*Macaafa Qulqulluu Hubachuu Ni Dandeessa!*

# Haala Rakkisa keessatti abdii-
# Golgaa isa Xumuraa
# Mul'ata Yohaannis

BOB UTLEY
Profeesora Hermenetiksii
(Hiika Macaafa Qulqulluu)

*QAJEELEFAMA IBSITUU QO'ANNOO WALITTI FUFIINSAA*
*Kakuu Haaraa Jildii 12ffaa*

BIBLE LESSONS INTERNATIONAL, MARSHALL, TEXAS
1998 (Kan Irra Deebi'amee 2007-2011)

# BAAFATA QABIYYEE

Ergaa Barreessaa: Ibsituun kun akkamiittiin gargaara? ....................................................................................i
Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa...............................iii
Ibsituu Kana keessatti Gabaajee hojii irra oolan..........................................................................................ix
“Kristaanoonni waa'ee maaliitiif  hiika Mul'ata anatu beeka kan jedhu qabaatu”..............................................2
Seensa raajii Kakuu Moofaatiif....................................................................................................7
Mul'ata Seensa.............................................................................................................................11
Mul'ata 1 ....................................................................................................................................18
Mul'ata 2 - 3 ...............................................................................................................................48
Mul'ata 4 - 5 ...............................................................................................................................86
Mul'ata 6 - 7 ...............................................................................................................................102
Mul'ata 8 - 9 ...............................................................................................................................117
Mul'ata 10 - 11 ...........................................................................................................................128
Mul'ata 12 - 14 ...........................................................................................................................147
Mul'ata 15 - 16 ...........................................................................................................................181
Mul'ata 17 - 18 ...........................................................................................................................198
Mul'ata 19 ..................................................................................................................................210
Mul'ata 20 ..................................................................................................................................228
Mul'ata 21 - 22 ...........................................................................................................................240
HafaaTokkoffaa: Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii .............................................................................259
Hafaa Lammaffaa: Qeeqa Qabiyyee Barreeffama irraa ...........................................................................267
Hafaa Sadaffaa: Hiikaa Jechootaa..............................................................................................................270
Hafaa Afraffaa: Beeksisa Amantii . . ..........................................................................................................280
Hafaa  Shanaffaa:  chaartii ilaalacha Miliniyemii garaa garaa agarsiisu. ...................................................281
Walaloo Mul'ata Yohannis irratti . ..............................................................................................................284

# BAAFATA MATADUREE ADDAA


Masihii 1:1....24
Dafanii deebi'uu 1:3....24
Lakkoobsota fakkeenyaa caaffata Qolqqullaa’oo keessatti 1:4....26
Waldaa Kirstaanaa (Ekkleshiya) 1:4 ....28
Hafuuroota torbaan 1:4.... 29
Angafa 1:5....29
Keregmaa barsiisa amantii durii 1:5....30
Kiristaanummaan kan walitti qabamee dha 1:6 ....31
Kan bara baraa (Ciggoo Griikii)1:6....32
Bara baraaa (Olam) 1:6....32
Ameen 1:6....34
Duumessaa wajjin dhufuu 1:7 .... 35
Seera gaddaa 1:7.... 35
Waaqummaaf nmaqoota kennaman 1:8....36
Mootummaa Waaqayyoo 1:9 ....39
Israa'eel keessatti faayidaa irra kan oolan gaanfota 1:10....40
Warri du'an eessa jiru? 1:18.... .44
Waaqayyo akka namaatti mullateera 2:1.. ....53
Rakkina 2:2 ....55
Sabrii 2:2....55
Jechoota Giriikii qoruudhaafii hiika isaaniitiif 2:2....57
Rakkina 2:9.... 61
Sadarkaa badhaasaatii fi adaba 2:10 ....63
Maqaa Gooftaa 2:13....65
Amanti 2:13....66
Israa’el (maqaa isaa) 2:14....67
Ilmaan Waaqayyoo 2:18....69
Dubartoota wangeela keessaatti 2:20....71
Laphee 2:23....73
Balleessaa hojjetan amanuu 3:5....77
“Balbala” jechi jedhuu fayyadama Kakuu Haaraatti (Kakuu Haaraa) 3:7....78
ARCHĒ 3:14.... 81
Qabeenyaa 3:17 .... 82
Yaada dursaa evanjelicalii kan Boob 4:1 ....88
Samii 4:1 ....88

Jaarsa 4:4 ....91
Kiruubel 4:6....92
Qulqulloota 5:8....96
Furuu 5:9....98
Mootummaa Waaqayyoo keessatti mo'uu 5:10....100
Palastayinitti yeroo Yesuus qarshiiwwan faayidaa irra oolan 6:6....105
Mallattoo 7:2....110
Lakkoofsa kudha lama 7:4 ....112
Dhoksaa Wangeela keessatti 10:7....132
Raajii Kakuu Moofaa 10:7....133
Jioota afurtamii lama 11:2....138
Hafuura Macaafa Qulqulluu keessatti:11 ....141
Guyyaa sana 11:18.... 141
Seexana 12:3.... 151
Lolli samii keessatti 12:7 .... 154
Hamaa isa qaamaa 12:9....156
Yesus yoroo ta'etti deebi'a kan jedhu faallaa isa isa ganaa dha jedhu wajjin 12:12....159
Mootummaa Waaaqaa Sseensa boqonnaa 13 ....161
Mudaa kan hin qabne Qulqulluu, cubbuu kan hin qabne 4:5....171
Yericha 14:7....173
Haala Macaafa Qulqulluu alkoolii fi alkolummaa 14:10....175
Ulfina 15:8 ....186
Raajii Kakuu Haaraa 16:6....188
Abidda 6:8....191
Hafuurota hamoo (Jinnii) 16:13....193
Jechoota waa'ee deebi'ee dhufuu gooftaa 16:14 ....195
Diiguu, balleessuu, dhabamsiisuu (PHTHEIRō) 19:2....212
Amanuu, Amanachuu, Amantii fi Amanamummaa kakuuu moofaatti ....213
“Dhugaan isaa ” (yaad-rimee) Barreeffama Yohaannis keessatti 9:11....220
“Dhugaa ” (Sagaleesaa) barreeffama Yohaannis keessatti 19:11....221
Qajeelummaa 19:11....221
Kan Ibrootaa fi Griikii dubbisa Logoos 19:13....224
Yesus Nama Nazret 22:16 ....255
Sadan Waaqa tokkicha 22:17....256
Maranata 22:20....258

# ERGAA BARREESSAA:
# IBSIISTUUN KUN AKKAMITTI SI GARGAARA?

Hiikkaan kitaaba Qululluu walabaafi adeemsa afuuraan kan gargaaramee, yaada barreessitoota durii hubachuunergaan Waaqayyoo akka hardhas hubatamee hojiirra oolu kan xiyyeeffatamedha.
Adeemsi afuuraa baayyee murteessaa garuuu moo ibsuufis rakkisaadha. Waaqayyootti of gadhiisuufi banaa ta'u gaafata. Dheebotuu (1) Isaaf, (2) Isa beekuuf, fi (3) Isa tajaajiluuf jiraachu qabu. Adeemsi fedha godhachuu gaafata. Hiikkaa keessatti hojiin afuuraa, guddinaa, kiristaanonni jaboo akka Birootti waan hubataniif murteessaadha.
Adeemsa walabaa ibsuun salphaadha. Fedha dhuunfaa keenyaa ykn amantii keenyaa jala hingaliin qabiyyee wajjiin ifaafi madaalawaa ta'uun dirqama. Nuyi cufti keenya seenaadhaan haalaan qabamneerra. Eenyuyyu namni hiikaa qajeelaafi walabaa ta'ee hin jiru. Ibsituun kunis rakkina ilaalcha keenya hiikkaa iratti nu rakkisu hambisuu qajeelcha hiikkaa sadii dhiyeessitee jirti.

### Qajeelcha duraa

Qajeelchi duraa seenaa yoomessa kitaabni qulqullu itti barreeffame qabachuufi haala seenaa barreessichaati. Barreessaan ka'umsaa kaayyoofi ergaa dabarfatu ni qaba. Qabiyyeen barreeffamichaa nuyiifi homaa jechuu miti akkuma barreessicha kaka'umsa argatee isa durii, duraa sani. Fedhiin isaa seenaa, miirama, aadaa ufiifi bu'uura keenya miti furtuudha. Hojmaanni cinaacha hiikkaa adda itti hin baanedha, garuuu hiikkaan sirrii hojmaata dursuu qaba. Qabiyyeen kitaaba Qulqulluu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qabaachunsaa dirqama. Hiikkaan kuni fedha barreessaa kitaaba Qulqullu jalqabaa hoggansa afuuraan ergaa inni warra hardhaaf dabarsuu barbaadedha. Hiikkaan tokkitiin kun garuuu hojumaata hedduu haalaafi aadaa adda addaa keessatti qabaachuu ni danda'a. hojumaanni kun dhugaa giddu gala kan barreessaa duraa wajjiin wal dhuguu qaba. Kanaafu, ibsituun qajeelchaa qo'annoo kun kitaabooa kitaaba Qulqulluu tokkoo tokkoof seensa akka ta'uuf qophaa'e.

### Qajeelcha lammeesso

A. Barruu Giriik Yunaayiti Baayibil Soosaayiti maxxansa afuraffaa (YBS4). Barruun kun hayyoota bammayyaan kan buufaamedha.

B. Hiikkaan Niiw Kiingi Jamsi Vershin (KJHH) aadaa Giriikoota Teekistuu Reseptas jedhamee beekkamuun hiikkaa jechaa jechatti hiikkamedha. Dheerinni buufatasaa hundarra ni caala. Kun ammoo bartoonni qabiyyee gumoofte akka hubatan isaan gargaara.

C. Hiikkaan Niiw Rivaayizdi Isaandard Vershin (NRSV) hiikkaa hammayyaa jechaa jechatti godhamedha. Hiikkoota hammayyaa lameen giddutti wiirtummaa kan uumedha. Hiramsi buufatasaa ijoo baafachuuf baayye gargaaradha.

D. Hiikkaa Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa maxxansa Yuunaayitid Baayibil Soosaayiti maxxanseen kan gituu maxxansa addaati. Akkaataan hiikkaa 'saas akkaataa iti dubbistoonniifi dubbattonni afaan Ingilizii bara kanaa itti afaan Giriiki hubachuu danda'aniin kan qophaa'edha. Irra guddessa, keessattu Wangeela, buufaa akkaataa dhimmicharra akkaatta isa dubbateen kan hiredha, akkuma NIV. Akkaataa hiiktootaaf hin fayyadu. YBS4 fi HIH lameenu buufataan gargar haa ta'an malee maxxansaansaanii qaama tokko ta'uu hubatamu qaba.

E. Hiikkaan Jerusaalem Baayibil (JB) hiikkaa gita kaatolika Faransaayi kan ta'e hiikka adaati. Kallattii buufata Awurooppaanotaan madaaluuf baayyee gargaaraadha.

F. Caafanni kun hiikkaa Niiw Amerikaan Sitaandard Bayibil ((NASB) harawaa 1995ti, hiikaa jechaa-jechatti. Qeeqni lakkoofsa-lakkofsattis buufatatti hordofee jira.

### Qajeelcha Sadeesso

Qajeelchi sadeessoo hiikkaa kitaaba qulqulluu adda dubbisudha. Kunis hiikkaa balloo jechoonniifi jechamni kitaabichi qabaachuu danda'u ittiin argachuudha. Yeroo hedduu jechii ykn jechamni Giriiki karaa hedduun ni hubaama. Hiikkaan gargaarii kunis carraa kanaafi barruu Giriiki adda baasuufi ibsuuf gargaare jira. Kun doktiriinii hin miidhu, garuuu duubatti deebinee yaada bareessitoota jalqabaa cufame akka argamu ni gargaara.

Ibsituun kun barataan akka dafee hiikka ofii ilaalu gargaara. Kunimmoo hiikko ta'u miti, garuuu caalatti odeeffanno kennuufi yaada kakaasudha. Hiikkonni Biroo ammoo **ofitoo**, **dogma'uu** fi **bu'uuroo** akka hin taanes ni gargaara. Hiiktonni barruun durii hangam takka rakkisoo ta'uu akka hubataniif carraa bal'oo hiikko isaan barbaachisa. Kiristaanoa kitaaba Qulqulluu madda dhugaasaanii godhaan giduu waliigaleen jiru xiqqaachuun rifachiisadha.

Qajeelfamni kun haal seenaa kiyya irra aanee barruu durduriin akkan qasaa'u na dirquun na gargaaree jira. Abdiin kiyyas isinifiis eebba akka ta'udha.

Bob Utley
East Texas Baptist University
June 27, 1996

# Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu
# Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa

Dhugaa beekuu ni dandeenyaa? Eessatti argamaa? Loojikiin mirkaneessuu ni dandeenyaa? Gonkumaa addunyaa keenya ykn jireenya keenya qajeelchuu kan danda'an ni jiranii? Jireenyaaf hiikkaan ni jiaataa? Maaliif as jiraa? Eessawoo dhaqnaa? Gaaffiileen kunneen – gaaffii ummanni walaaa gaafatu – gaafa jalqabaa (Lal. 1:13-18, 3:9-11) irraa eegalee sammuu ilma namaa hatee jira. Nin yaadadha jireenya kiyyaaf bikka birmadoo yeroon barbaadaa ture. Dhugaa bahinsa namootaa maatii keenyaaf ta'erratti hundaa'uun kanniin gara kiristoositti goree amane dargaggummaa kiyyatti haguman gaheessa ta'aa deeme, gaaffiin ofiifi addunyaa kanaaf qabu daranu guddataa deeme. Yaadni xixiqqaan aadaafi amantii muuxannoo keessa darbee ykn dubbiseef hiikkoo ta'uu hin dandeenye. Yeroo jeequmsaa, barbaada, imalaafi fuula addunyaa jabduufi miirdhabduun keessa tureetti abdii dhabummaa turte.

Baayyinni gaaffilee kanaaf debii argachu yaalan, garuuu qorannoofi mariin booda deebiin isaanii (1) falaasama matayyaa (2) sheekko durdurii (3) muuxannoo dhuunfaa ykn (4) calaqisa xinsammuu akka ta'e arge. Sabaa jireenya koo, ido birmadoo koo, bu'uura kallati addunyaa irra kaayyadhuu mirkansa, ragaaafi ilaalcha walabaa argachuu na barbaachisa.

Kana qo'anno kitaaba Qulqulluu keessatti argadha. Achumaan ragaa amanamoomaa barbaadu iti fufeen (1) seenaa qabatamaa kitaaba Qulqulluu, arkiyoolojiin mirkanaa'ee, (2) dhugoomsa raajoota kakuu Moofaa. (3) tokkummaa ergaa kitaaba Qulqulluu baroota dhiba kudha jaha keessaafi (4) dhugaa bahinsa namoota jireenyi isaanii walitti dhufeenya kitaaba Qulqulluun jijjiiramee argu danda'e. kiristaanummaan, akka gamtaa amantiifi amantaati, gaaffii walxaxaa jireenyaa wajjin hojjechuuf ni danda'a. Kun ammoo caasaa hojii walabaa qofa miti, amantiin kitaaba qulquluu ibsamuu danda'u gammachuufi tasgabii naa fida.

Iddoo walaba jireenya koo – kiristoos, akkan kitaabicha keessatti hubadhetti, ta'uu argachuu koon beeke. Sun ammoo muuxannoo buhaara, miirama keessaati. Haa ta'uuti, ammallee waraansaafi hollachiisa hiikkaa kitaaba kanaa irratti yeroo ani eegale, yeroo tokko moo waldaafi mana barumsa tokko keessati yaada gargaaraa kaasee ture ni yaadadha. Ammanamummaafi kaka'insa kitaaba Quqlulluu dhugaa cimsuun isa xumuraa odoo hin taaanee isa jalqabaati. Akkam godheen hiikkaa gargaraafi walfaalleessaa kitaaba dhugoomsu ykn gatuu ni danda'aa?

Hojmaanni kun galmaafi imala amantii jireenya koo naa ta'e. ni beeka kiristootsitti amanuun koo (1) gammachuufi nagaa guddaa naaf kenne. Sammuun koo aadaa koo (dub-hamayoma) keessa gonkoomaaf fagaataa tueera. (2) doogmaatummaa waldhibdee amantoota (amantii addunyaa) fi (3) bu'uroma safu dhabeenya na agarsiiseera. Hikkaa hog-barruu durdurii ayitan barbaadutti, seenaa, aadaa, bu'uuromaafi gardhabummaa koo calaqisu arguu kootti ajaa'ibame. Ira deddebi'ee kaniin kitaaba Qulqulluu dubbisu ilaalcha koo utubuufidha. Hanqina koofi dhoksaa koo haguuguuf akka madda dogma godheen ittiin ormaan morma. Kana beekuun hangam dhukkuba koo turedha!

Akkasumas guutummaati mormata ta'u hin danda'au, nama kitaaba Qulqulluu dubbifatu fooyya'a ta'u ni danda'a. gara dhabummaa koo adda baasuufi jiraachusaa beekuun daangeessuu ni danda'a. ani ammallee kana jalaa hin birmadoomne, garuuu dadhabinsa koon mormachaan jira. Hiikkaan diina dubisaa kibaata Quqlulluu isa badaadha!

Mee dur tilmaama ani qo'annoo kitaaba Quqlulluu koo keessatti fideen tarreessa, isin dubbistoonnis, ana ajjin ta'uudhaan ni sakkataatu.

## I. Durtilmaama

A. Kitaabni Quqlulluu dhugaa Waaqayyoo tokkicha inni ittiin of muldhise isa muummee ta'uu nan amana. Kanaafuu, ifa fedhii barreessicha uumaa (afuuraa) karaa namootaa yoomessa seenaa addaa keessaan calaqiseen hiikkamu qaba.

B. Nin amana kitaabni Quqlulluu namoota gitaa – hundaaf barreeffame. Waaqayyoo nutti dubbachuufi haala seenaafi aadaa keessatti of qabuu jaalate. Waaqayyo dhugaa hin dhoksu – akka hubannu barbaada! Kanaafuu, akka keenya odoo hin ta'iin ifasaan akka hiikkamu barbaada. Kitaabni Qulqulluu waan warri dura dhagahanii ykn dubbisan hin ta'iin nuyiif hin ta'u. sammuu namoota giddu galaan hubatamuu kan dadna'uufi bifaafi teekinika waliigaltee laafaa namootaatti kan fayyadamedha.

C. Kitaabni Quqlulluu yaadaafi ergaa gumaa’ee akka qabu nan amana. Kanaafuu, hiikkoon kitaaba Qulqulluu inni hundaan olii kitaaba Qulqulluu mataa isaati.

D. Dubbiffanni kitaaba Quqlulluu (raajooa irraa kan hafee) hundi fedhaafi kaka’umsa barreessicha duraa irratti hundaa’ee ergaa tokkoofi tokko qofa akka qabu nan amana. Hangamu mirkantuu dhumaa ta’uudha baannullee qabxiileen heddu agarsiisan waan jiraniif fedha barreessicha duraa ni beekna.

1. Bifa hogbarruu ittiin ergaa dabarsuuf filatamee
2. Yoomessa fi/ykn haalyeroo barreeffamicha dhangalaase
3. Qabiyyee kitaabilee keessaafi gamtooma hogbarricha
4. Gamtooma qabiyye hogbarichaa gara ergaa guuammati
5. Haala giraamara ergicha dabarsuuf faayidaarra oolee
6. Ergicha dabarsuuf jechoota filatame
7. Dubbifata walinfaallessine ta’uusaati.

Namoonni qo’annoo kanaas kaayyoo qo’annoo bareeffama kanaa nuuf ta’e. Odoon mala dubifata kitaaba Qulqulluu gaarii kiyya hin eriin dura mala hin mallee bara kana keessa namoonni itti fayyadamanii garagaraafi dhabamuu qabuun waa jedhe.

**II. Mala hin mallee**

A. Qabiyye hogbarru kitaabbilee kitaaba Qulqulluu tuffachuufi jecha, jechamaafi tokkoon tokkoo himaa akka dhugaa guufuutti sanuu akka fedha barreessichaafi ergaa waliigalaan waliin simnetti fayyadamuu.

B. Seenaa yoomessa kitaabichaa cinatti dhiisuun durtilmaama seenaa yoomessaan bakka buusuun sanu isa faayidaa xiqqo ykn homaawu hin qabnetti fayyadamu.

C. Seenaa yoomessa kitaabichaa dhiisuuniifi akka gaazexaa magaalaa namoota kiristaana hammayyaa ganama ganama bitamee dubbifamuuti dubbisuuf.


D. Fedha barreessicha ykn dhaggeeffattoota duraati hin simneen ergicha akka ergaa falaasamaa/tiyooloojiitti fudhachuun seenaa yoomessicha tuffachuu.

E. Ergaafi yaada barreessicha jalqabaatti kan hin simne dhimma baraa, doktiriina ykn mala tiyoolojii mataa ofii bikka huusuun ergaa duraa tuffachu. Adeemsi kun dubisa kitaaba Qulqulluu duraa akka aboo abba dubbiitti lafa kaa’a. Kun ammoo nuyiif akka “deebii dubistootaa” ilaalama. (qabiyee jechun anaaf maalajechuudhaa” hiikkaa)

Waliigaltee namootaa hunda keessatti ijoowwan sadii walsimatan ni muldhatu.




Bara durii, teekinikoonni dubisaa ijoo sadan keessaa isa tokkootti hirkatu turani. Garuuu dhugumatti fedha addaa kitaaba Qulqulluu mirkaneessuuf, gabateen haaromfame baayyee gaariidha.



Isa dhugaatti ijoowwan sadanuu adeemsa hiikkaa keessatti dabalamuu qabu. Ifa gochuufis, hiikkaan koo lameen duraa irratti xiyyeeffate: barreeffama ka'umsaafi qabiyyee. Feetuu badiin argarrattin dubbadha. (1) ciiguu ykn afuuressuu qabiyyichaafi (2) "deebii dubbisaa" hiikkaa (anaaf maal jechudha) badiin sadarkaa hundatti muldhachu ni danda'a. Yeroo mara miira, garadhabummaa, teekinikaafi hojmaata keenya sakatta'uu nu barbaachisa. Garuuu yoo waagaan, daangaafi xumurri hin jirree akkamiin sakatta'uun nuu danda'amaa? Iddoon kun iddooti fedha barreessaafi caasafamni qabiyyee iti waagaalee gam tokko ittiin daangaa hiikkoodha akkan lafa kaayadhu na gargaaredha.

Ifa teekinika dubbisa hin malle kanaan, firoomsaafi ibsii hiikkoofi dubbisa kitaaba qululluu gaariitti dhiyaachu danda'amu maalfa'ii?

**III. Itti dhiyeenya dubbisa kitaaba Qulqulluu gaarii**

Sadarkaa kanatti ani bifa teekinikaa hiikkoo addaa mariisisuutti hin jiru, qajeelcha qabiyyee kitaaba Qulqulluu waliigalaa malee. Itti dhiyeenya bifa addaa kitaaba gaariidha. Kitaaba "*How to Read The Bible For All Its Worth*" jechuun Gordon Fii fi Doglaas Sitaartiin barreeffamee Zondarvaaniin maxxanfamedha.
Jalqaba irratti toftaan koo kaniinni xiyyeeffatu dubbistoota marsaa dubbisaa afran keessaan afurrii Quqlulluu, kitaaba Qulqulluu akka isaanii ibsu ofirratti hayyamanidha. Kunimmoo afuuricha, dubbisaafi isa dubbifatu dursaa malee lammeessoo hin taasisu. Kunis darbee isa dubbifatu sana akkanni hacuuccaa ibsitootaa jalatti in kufne tiksa. "Kitaabni Quqlulluu xiyyaa ifaa hedduu ibsitootarratti ni darbataa "jecha jedhu nin dhagaha. Kun garuuu qeeqa gargaasa qo'annoo irrattif godhamu gatii dhabsiisu miti, garuuu yeroo sirrii itti fayyadamasaanii gaafata malee.

Hiikkaa keenya ragaaalee barreeffamicha keessaan deeggaruuu qabna. Naannooleen shaman ibsa gabaabo kennu

1. Barreesaan ka'umsaa
    a. Seenaa yoomessaa
    b. Qabiyyee hogbara
2. Filannoo barreessaa ka'umsaa
    a. Caasaa giraamaraa (syntax)
    b. Ittifayyadama hojii baraa
    c. Bifa
3. Hubannoo keenya sirrii
    a. Dubbisa qixaa fudhatamaa

Sababaa fi deemsa haasawaa hiikkoo keenya duubaan jiru dhiyeessu danda'uu qabna. Kitaabni Quqlulluu muuxannoo fi madda amantii keenyaati. Wanti gaddisiisaa, waan inni barsiisuufi mirakaneessu irratti kiristaanonni irra deddeebi'anii waliigaluu dhabuusaaniiti. Kaka'umsa kitaaba Qulqulluu komachuuniifi warra waan inni gaafatuufi barsiisu irratti waliigaluu hin dandeenye amantoota haarawaaf mohinsa.

Marsaan afran dubbisaa ilaa hiikkoo armaan gadii agarsiisuuf wixnaa'ani.

**A. Marsaa dubbisaa duraa**

1. Takka gadi ta'aa kitaabicha dubbisaa. Hiikka Biroon ammoo irra deebi'aa, yaada hiikkaa Birooon
    a. Jechaa – jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
    b. Gitaan addaan (HIH, JB)
    c. Paraaphireezii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaagaa)

2. Yaada wiirtuu bareeffamaa ilaala. Qabiyyee adda baafadha.

3. Qabiyyee ykn yaada wiirtuu kana sirriitti ibsu jecha, jechama, himaafi boqonnaa (yoo danda'ame) adda baasaa.

4. Bifa hogbarruu ulfaatoo adda baasaa
    a. Kakuu Moofaa
        (1) Barreeffama Ibrootaa
        (2) Walaloo Ibrootaa (hogbarru safii, farfannaa)
        (3) Raajii Ibrootaa (haasa'a, walaloo)
        (4) Seera tuma

**B. Kakuu dubbisa lammeesso**

1. Keessa deebi'aa kitaabicha dubisaa, mata duree ykn qabxii adda baasuuf ilaalatuma.
2. Hima salphaa ta'een qabiyyee maa duree ibsaa bareessuuf yaalaa.
3. Gargaarsa qo'annootti fayyadamaati yaada dubbicha sakatta'aa babal'isaa tarreessaa

**C. Marsaa dubbisaa sadeessoo**

1. Ammas deebisaa dubbisaa, kitaabuma Qulqulluu keessaa haala seenaa yoomessaa barreessa adda baasuu akka isin dandeechisuuf.
2. Qabxiiwwan seenaa kitaaba Qulqulluu keessatti tuqaman tareessaa.
   a. Barreessaa
   b. Guyyaa
   c. Argataa
   d. Sababa addaa barreessicha
   e. Haala yoomessa aadaa yaada barreeffamichatti firoomu
   f. Ragaaaleefi namooa seenaafi tuqachiisa.
3. Kartuu keessan gara kutaa kitaaba Qulqulluu hiikkaa jirtaniifi buufaticha babal'isuu. Yeroo mara boqonnaa barruu jala murani adda baasuudha. Kun buufaafi boqonnaa heddumeessu ni danda'a. kun fedha barreessicha ka'umsaafi deemsa loojiki akka hordofamu ni gargaara.
4. Gargaartu qo'annootti fayyadamuun seenaa yoomessaa sakatta'uu

**D. Marsaa dubbisaa afreessoo**

1. Boqnnaa barruudha hiikkaa gargaaraa irraa deddebi'anii dubbisuu
   a. Jecha-jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
   b. Gita addaan (HIH, JB)
   c. Paaraaphireesii ( kitaaba jiraataa, kitaaba dagaaga)
2. Caasaa giraamaraa ykn barruu ilaali.
   a. Jechama irra deddebi'o, Ef. 1:6, 12,13
   b. Caasaa giraamara irra deddebi'oo, Rom. 8:31
   c. Qabiyye mormisiisaa
3. Qabxiilee armaan gadii tarreessu
   a. jechoota barbaachisoo
   b. Jechoota hin baramne
   c. Caasaa giraamara barbaachisaa
   d. Jechoota, jechamaafi himoota rakkisoo
4. Dubbifata qixaan firoomu ilaaluu
   a. Ittifayyadama dhima kee irratti dubbisa barsiisa kee qulqulluu ilaaladhu.
      1. Kitaaba malmaltu tiyoolojii
      2. Tuqachiisa kitaaba Qulqulluu
      3. Tartiiba jechoota
   b. Dhimma kee keessati warra warra wal hinfakkaane fakkaatan ilaali. Dhugaan kitaaba Quqlullu hedduun cimsii wala'insaan jiran, mormiin bu'oroma heddu kan dhalatan muddama dhugomsabarruu kitaabicha irra kan ka'e ture. Guutuun kitaaba Qulqulluu afuuraan kaa'ame, kanaafu hiikkaa madaalawaa barruu argachuuf ergaa guutammaa soquu qabna.
   c. Kitaabuma tokko keessatti walmaddii barreessaa, ykn bifaa, ilaali, sababnisaa kitaaba Qulqulluuf barreessaan isaa tokkichuma, afuura Qulquluu.
5. Haalaafi yoomessa seenaa argite sakatta'uuf gargaartuu qo'annooti fayyadami.
   a. Qoa'nnoo kitaaba Quqlulluu
   b. Guuboo jechootaa, kitaaba qajeelchaafi Insaayikilopidiyaa kitaaba Quqlulluu
   c. Seensa kitaaba Qulqulluu
   d. Ibsituu kitaaba Qulqulluu (qo'annoo kee sadarkaa kanaa irratti akka qo'annoo kee siif sirreessaniif hawaasa amantootaaf carraa godhi).

**IV. Hojmaata hiikkoo kitaaba Qulqulluu**

Sadarkaa kanatti gara hojmaataatti deebina. Barru yoomeessa ka'umsaan hubachuuf yeroo fudhateerta, amma aadaafi jireenya kee keessatti dhugomsuu qabda. Ani aboo kitaaba Qulqulluu akka "hubannoo ergaa barreessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa bara sanaafi hojmaata dhugaasaa bara kanaa" ti hiikeera.

Hojmaanni hiikkootti fedha barreessa ka’umsaa yeroofi loojikiitti aanee dhufuu qaba. Hanga gaafa bara isaati inni jedhu beeknutti dubbisa kitaaba Qulqulluu hojiirra oolchuuf hin dandeenyu! Dubbisni kitaaba Qulqulluu waan hin jedhamne jechuu miti.

Baafanni, sadarkaa buufataatti (marsaa dubisaa # 3) gadi bu’ee jiru qajeelcha keeti. Hojmaanni sadarkaa buufataatti, malee sadarkaa jechaatti tolfamu hin qabu. Hiikkaan jechootaa sadarkaa barruutti, hikkaan jechamaa sadarkaa barruutti, hiikkaan himaa sadarkaa barruutti ta’u qaba. Hiikkaa keessati hiikkaan afuuraa barreessa ka’umsaa qofadha. Ibsa afuura qulqulluun hoggansa isaa horfofna. Ibsaan garuuu afuuruu jechuu miti. Waa jechuudhaaf “Gooftaan isinitti hima” jedhe fedha barreessaa ka’umsaaf abbomamuu qabna. Hojmaanni fedha barreeffama waliigalaa, boqonnaa barruu addaafi dagaaga buufatatti firoomuu qabu.

Dhimmoonni bara keenyaa akka dubbatan odoo hin taane, akka kitaabicha keessaa akka baafannu nu godha. Yoo barruun qajeelfama kana ni deggera ta’e fudhatama argata. Yeroo hedduu qajeelfamni keenya matumasaa qajeelfama “keenya” – malee qajeelfama barruu miti.

Kitaaba Qulqulluu hojmaatessuurratti raajootaan alatti) barrichaaf hiikkaan tokkoofi tokko qofti akka sirrii ta’e beekuun barbaachisaadha. Hiikkaan isaas fedha barreessaa ka’umsaa gaafa saniitti firmudha. Hiikkaa Tokkotti kana irraa hojmaanni hedduu bahuu ni danda’a. Hojmaatichi fedhii argataa irratti bu’uraa, garuuu fedha barreessaa ka’umsaati firommuu qaba.

**V. Kallatti hiikkaa afuuraa**

Hanga ammaa adeemsa loojikaafi barreeffamaa hojmaataafi hiikkaa ibsaa tureera. Amma ammoo kallattii hiikkaa afuuraa ibsuu yaala. Tartibni sakatta’a armaan gadii anaaf gargaarsa ni qaba.

A. Kadhaa gargaarsa Afuura Qulqulluu (1 Qor 1:26-2:16)
B. Kadhata dhiifamaafi dhiqama cubbuu beekkamaa dhuunfaaf godhamu (1 Yoh. 1:9)
C. Kadhata fedha guddaa Waaqayyoon beekuuf godhamu (Far. 19:7-14, 42:1ffa; 119:1ff)
D. Ilaa toltuu jireenya keetti dabalii
E. Gadjechuufi barsiisu danda’urra turi.

Hoggansa Afuuraa Afuura Quqlulluufi deemsaa loojikaa madaallii jiru eeguun guddaa rakkisaadha. Kana lameen walmadaalchisuuf waraabi kun na gargaare.

A. Scripture Tmisting, James W. Sirerra ful 17-18 “Itti gara sammuu namoota Waaqayyootti dhufe – gara warra Afuuraa muraasa miti. Kiristaanumma kitaaba Qulqulluu keessatti gartuun beekkamo, ibsituuniifi ummanni hikkaan qixaa keessa dhufe jedhaman hin jiran. Afuurri Qulqulluu kennaa addaa ogummaa, beekumsaafi hubannoo kennullee garuuu inni abbootii hiikkoo sagaleesaa kiristaanoota ol bahan hin ramadne. Barachuun, murteessuuniifi hubachuu hanga saba isaati, kitaaba Qululluuti hirkachuun, warra Waaqayo dandeetti addaa  isaanii kennellee ta’an. Waliti qabuudhaaf tilmaamni ani kitaabicha irrati godhadhe kitaabni Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo namootatti muldhisedha, aboo nuyi waan inni dubbatu hundarratti qabnudha, sunis ajaa’iba gararraa odoo hin taanee waan namoota aadaa gargaraan hubatamu danda’udha.

B. Kitaaba “kiyeerkigaard protestant biblical interpretation” ful. 75 jedhu keessatti. Akka kiyeerkigaardifi qo’annoon giraamaaraa laaksilaalaafi seenaa kitaaba Qulqulluu barbaachisaadha, garuuu dubisa dhugaa kitaabaa dursuu qaa. “Akka sagalee Waaqayyooti kitaaba Qulqulluu dubbisuuf namni tokko afaaniifi lapheesaatiin, qeensa qubaan, eegumsa dammaqinaan, haasa’a Waaqayyoo keessatti dubbisuu qaba. Kitaaba Qulqulluu akka qalbi dabinsaati, ofumaan ykn yaroominaan, ykn ogummaan dubbisuun akka dubbisa sagalee Waaqayyoo hin ta’u. Akkuma namni xalayaa jaalalaa dubbisutti sagaleen Waaqayyoos dubbifamuu qaba.

C. Kitaaba H.H Rowleey, The Relvance of Bible ful. 19 jedhu keessati moo “Hubannoon beekumsaa hayyoomaa kitaaba Qulqulluu hangamu guutuu, hunda qabatee hin jiru. Hubanno guutuuf barbaachisaa waan ta’eef hubannoo akkanaa gad buusuuf miti. Yoo guutummaa kitaabichaaf kan ta’u ta’e garuuu gara hubannoo afuuraa qabeenya afuuraatti qajeelchuu qaa. Akkuma kana hubannoo afuuraa dammaqina hayyomaa daran caaluu barbaachisa. Wantoonni afuuraa afuuraan murtaahu, kanaaf bartoonni kitaaba Qulqulluu amala argataa afuuraa, akka isaanitti of ibsuuf fedha Waaqayyoo, qabaachu qabu akkaqo’annoo saayinsiin duuba darbani gara dhaala duuroma qabeenya kitaaboota isaa gurguddooti darbuudhaaf.

**VI. Mala ibsiituu kanaa**

Ibsituun qo'annoo kanaa kan qophaa'e deemsa hiikkaa kee bifa armaan gadii akka ta'uufidha.

A. Seenaan ifaa kartuu kitaabbilee ni agarsiisa. "Marsaa dubbisaa # 3" eegi tolfateen booda odeeffanno kana sakatta'i.

B. Ilaan barruu jalqaba boqonnaa hundaratti ni argama. Kunimmoo caasaa boqonnaa barruu akka ilaaltusi gargaara.

C. Jalqaba boqonnaa ykn barruufi hirtaan buufataafi kaptioniin ibsaaf tolu hiikkaa hammayyaa adda adda irraa kenname jira.

1. Barruu Giriik, Yunaayitid Baayibil Soosaayitii maxx4 (YBS)
2. Niiw Ameerikaan Sitaandaard Baayibil, 1995 fooyya'e (NASB)
3. Niiw Kiingi Jemsi Vershini (KJHH)
4. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershiin (NRSV)
5. Tuudeyis Ingilish Versiini (HIH)
6. Jeruusaalem Baayibil (JB)

Hiramsi buufata kaka'umsaan miti. Barruurraa mirkanaa'e. Hiikkaa hammayyaa adda addaa kallattii tiyooriifi tiyoolojii adda addaan walbira qabuun ilaalcha barreessaa ka'umsa tilmaame xiinxaluu ni dandeenya. Buufanni tokkoon tokko dhugaa jabaa tokko ni qaba. Kunis "hima, matoomaa" ykn "yaada wiirtuu barruu" jedhama. Ilaalchi gamtooma kun furtuu hiikkaa giraamaraafi seenaa qixaati. Namni tokko waan buufataan gadiin, hiikuu, lallabuu ykn barsiisuu hin danda'au. Buufanni kamuu akka firooma buufatoota olla jiraniin qabu dagatamuu hin qabu. Kanaafi barbaachisummaan kartuu kitaabichaa sadarkaa buufataa barbaachiseef. Nuyi yaa'aa loojika dhimmicha barreessaa ka'umsaa duraan gahuuf danda'u qabna.

D. Hikkaan yaadannoon Bob lakkoofsa – lakkoofsatti. Kun ammoo ilaalcha barreessaa ka'umsaa akka hordofnu nu dirqa. Yaadannichi odeeffannoo gama hedduu kenna.

1. Qabiyyee barruudhaa
2. Ilaa aadaafi seenaa
3. Odeeffannoo giraamaraa
4. Qo'annoo jechootaa
5. Dubbisa walmaddi fayyadan

E. Ibsituu keessatti sadarkaa ta'etti, maxxansi Niiw Ameerikaan Sitaandaard Kershini (haarofni 1995) hiikkaa hammayyaa hedduun deeggeramee jira.

1. Niiw Kingi Jemsi Vershini (KJHH) barruu "Tekistus Resiptas" jedhu duuka bu'eeti.
2. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershini (NRSV) isa jecha – jechatti kaawunsila waldaale biyyaalessa irraa gargale.
3. Tuudeyis Ingilsh Vershin (HIH) isa Ameerikaa Baayibil sosaayiti irraa gitaan gargale.
4. Jeruusaaleem Baayibil (JB) isa hiikkaa Kaatolika Faransaayii irratti bu'uuraa'ee Ingiliffaatti hiikkame.

F. Warreen afaan Giriik dubbisuu hin dandeenyeef rakkoo barruu irratti isa mudatu madaalee adda aasuuf afaan Ingiliffaan fayydamuun isa tola.

1. Garaa garuummaa barruuwwanii
2. Hiikkaa jechootaa filatamoo
3. Caasaafi barruu giraamara rakkisoo
4. Barruu jeeqamoo

Yaata'uti hiikkaan Ingiliffaa rakkoo kana hin furiin malee, akka iddoo gadi fagoofi qo'annooti xiyyeeffatu.

G. Xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii kaasan barbaachisoo ta'an kaa'amanii jiran. Isaaniis yaada hiikkaa muumme ta'an irrati xiyyeeffataniiti.

# IBSITUU KANA KEESSATTI GABAAJEE HOJII IRRA OOLAN

| | |
|---|---|
| AB | *Anchor Bible Commentaries*, ed. William Foxwell Albright and David Noel Freedman |
| ABD | *Anchor Bible Dictionary* (6 vols.), ed. David Noel Freedman |
| AKOT | *Analytical Key to the Old Testament* by John Joseph Owens |
| ANET | *Ancient Near Eastern Texts*, James B. Pritchard |
| BDB | *A Hebrew and English Lexicon of the Old Testament* by F. Brown, S. R. Driver and C. A. Briggs |
| IDB | The Interpreter's Dictionary of the Bible (4 vols.), ed. George A. Buttrick |
| ISBE | *International Standard Bible Encyclopedia* (5 vols.), ed. James Orr |
| JB | Jerusalem Bible |
| JPSOA | *The Holy Scriptures According to the Masoretic Text: A New Translation* (The Jewish Publication Society of America) |
| KB | *The Hebrew and Aramaic Lexicon of the Old Testament* by Ludwig Koehler and Walter Baumgartner |
| LAM | *The Holy Bible From Ancient Eastern Manuscripts* (the Peshitta) by George M. Lamsa |
| LXX | Septuagint (Greek-English) by Zondervan, 1970 |
| MOF | *A New Translation of the Bible* by James Moffatt |
| MT | Masoretic Hebrew Text |
| NAB | New American Bible Text |
| NASB | New American Standard Bible |
| NEB | New English Bible |
| NET | NET Bible: New English Translation, Second Beta Edition |
| NRSV | New Revised Standard Bible |
| NIDOTTE | *New International Dictionary of Old Testament Theology and Exegesis* (5 vols.), ed. Willem A. VanGemeren |
| NIV | New International Version |
| NJB | New Jerusalem Bible |
| OTPG | *Old Testament Passing Guide* by Todd S. Beall, William A. Banks and Colin Smith |
| REB | Revised English Bible |
| RSV | Revised Standard Version |
| SEPT | The Septuagint (Greek-English) by Zondervan, 1970 |
| TEV | Today's English Version from United Bible Societies |
| YLT | *Young's Literal Translation of the Holy Bible* by Robert Young |
| **ZPBE** | ***Zondervan Pictorial Bible Encyclopedia* (5 vols.), ed. Merrill C. Tenney** |

# SEENSA KEEYATAA ISA JALQABAA

## “KRISTAANOONNI WAA’EE MAALIITIIF HIIKA MUL’ATA ANATU BEEKA KAN JEDHU QABAATU”

Baroota keessatti hiika qayyabannaa kooti keessatti kanan baradhee kristaanoota baayee kan gabatee, akkaatee kan ta’ee, kan bara dhumaa weedduu weeddootaa hin qaban, yookaan hin barbaadan. Kristaanoonni muraasni jiru, naannoo kanatti kristaanummaa irratti kan xiyyeeffatan, barumsa hafuuraaf, xiin- sammuuf, yookaan kutaawwan amantaaf sababoota. Isaan kristaanonni kun ta’uu kan danda’an hunduu akkamitti akka raawwatu xiyyeeffachuudhaan, kanaaf bulchuu hin danda’an, ta’us garuu ergama wangeelaatti hirmaachuu danda’u (Mat.28:19-20, Luq. 24:47, HoE. 1:8). Amantootni baay’een isaanii lammata deebi’ee dhufuu Kristoosi fi bara guduunfaa itti laatu, innis abdii Waaqayyoo. Dhuma biyya lafaa kana kan ilaallate hubachuu irraa kan ka’an rakkowwan hiikaa kan dhufan kan macaafa qulqulluu baay’ee Paraadoksootaa (Ayaawoo) dha.

1. Kakuu moofaatti moodeloota raajii fi kakuu haaraatti moodellii hoji ergamootaa gidduu dhiibbaa jiru
2. Macaafa qulqulluu keessatti murnummaan (hundumaaf Waaqa tokko) fi Israa’elitti filamuun (saba addaa) gidduu kan jiru dhiibbaa
3. Kakuuwwan macaafa qulqulluu fi abdiwwan tibbawwan kalatti (“irraa…booda”) fi kan tibbawwani kan hin taane amanamummaa Waaqayyoo, mucaa namaa kufe fayyisuu gidduu kan jiru dhiibbaa
4. Baha dhi’ootti og-barru sharbee fi karaa bahaan moodeloota og-barru gidduu kan jiru dhiibbaa
5. Mootummaa Waaqayyotti amma kan ta’uu fi sichi gara fuulduraatti dhufuu isaa gidduu dhiibbaa jiru
6. Lamaffaa deebi’ee dhufuun Kristoos ittiin ga’uu fi amanuu fi tibbawwan tokko tokko dirqamatti dursanii ta’uu akka qaban dhiibbaa gidduu jiru mee dhiibbaawwan kana tokko tokkoon haa ilaallu.

**Dhiibbaa isa jalqabaa** (kan kakuu moofaa sanyummaa, biyyummaa, fi haala teessuma lafaa ramaddiwwan yookaan amantootni hunduu addunyaa guutuutti)

Raajootni kakuu moofaa mootummaa Yihudii deebisuuf raajaniiru, innis Filisxeemitti Yerusaaleemin giddu galeessa godhatee, sabni biyya lafaa martuu bittaa Daawitiin galatteefachuu fi tajaajiluu, ta’us garuu Yesusis ta’e ergamoonni kakuu haaraa ajandaa kana irratti raawwatanii hin xiyyeefanne.

Nu kan kakuu moofaa yaada hafuuraan liqimfamne miti (Mat. 5:17-19)? Barreesitootni kakuu haaraa isa guddaa tibbawwan sa’a isa dhumaa hir’saniruu?

Waa’ee dhuma biyya lafaa burqaawwan odeefannoo heedduun jiru:

1. Raajoota kakuu moofaa (Isaayaas, Mikiyaas, Milkiyaas)
2. Kan Apokilaptiki kakuu moofaa (bara dhumaa) barresitoota (Hiz. 37-39, Daani.7-12, Zak.)
3. Kakuu keessa safartuu kan hin guutne kan Yihudii barreesitoonni Apokilaptikii kan akka 1ffaa Heenok kan jiran, waa’ee Juud kan eeran)
4. Yesuus mataan isaa (Mat.24, Mar.13, Luq 21)
5. Barreefamonni Phaawulos (1Qor. 15, 2Qor. 5, 1Tas.4-5, 2Tas. 2)
6. Barreefamoota Yohannis (1Yohannis. fi Mul’ata).

Isaan kun hunduu ajandaa bara dhumaa ifatti nu barsiisu (tibbawwan, namoota)? Ta’u yoo baate, maaliif? Hunduu yaada hafuuraan kan liqimfamne miti (kan Yihudii kakuu keessaa irraa kan hafee)?

Hafuurri dhugumatti barreesitoota kakuu moofaatti mul’iseera, hubachuu kan danda’aan jechootaa fi ramaddiwwaniin. Ta’es, itti fufinsa kan qabu mul’inaan, hafuurri isaan bara dhumaa kakuu moofaa kanaa yaada-rimeewwan gara sadarkaa hundaatti baba’lisan (“iciitii Kristoos,” Efe.2:11-3:13. 10:7 irratti mata duree addaa ilaalli). Fakkeenyonni faayida qabeessi adda addaa kunoo:

1. Magaalaan Yerusaaleem kakuu moofaatti saba Waaqayyoof fakkuduun faayida irra ooleera (Tsiyoon), ta’us garuu kan inni argisiisu kakuu haaraadhaaf, Waaqayyoo qalbi kan jijjiratan, namoota amanan hundumaa akka simate ibsuuf (Mul. 21-22 Yerusaaleem haaraa). Barumsa hafuuraa babal’isuu, kan irra irraa, magaalaa qaamanii gara saba Waaqayyoo haraatti (amanaa Yihuudii fi warra saba Waaqayyo hin

taane) abdiin Waaqayyoon himteen taa’eera, Uum 3:15 irratti kan kufe mucaa namaa fayyisuuf, Yihudiin kam iyyuu yookaan magaalaa guddittì Yihudii jiraachuu dura. Filatamuun Abiraham illee (Uma 12:1-3) warra saba Waaqa hin taanee of keessatti qabateera (Uma 12:3, Bau 19:5).

2. Kakuu moofaatti diinni saba Waaqayyoo kan durii saba naannoo baha dhi’oo turan, kakuu haaraatti garuu gara warra hin amanne hundumaatti , diina Waaqayyo, yaada hafuuraan liqimfamuu seexana gara namoota qabanitti babal’ate. Lolli isaa teessuma lafaa, walitti bu’insa naannummaa gara guutummaa addunyaatti, walitti bu’iinsa naannoo bal’aatti ce’e (Qolasiyaas).
3. Biyyi abdii sun isas baay’ee kan kakuu moofaa wanta guddaa kan ta’e (abdii abbootaa Uma 12:7, 13:15, 15:7, 15, 17:8) amma guutummaa biyya lafaaf ta’eera. Yerusaaleem ishee haaraan samii irraa kan dhuftuu haaraa kan uumamte addunyaadha malee, baha dhi’oo qofaaf yookaan adda addaan miti (Mul. 21-22).
4. Kan biroon tokko tokkoo yaad-rimee raajii fakkeenyonni kan isaan baball’atan:
   a. Sanyiin Abiraham amma hafuuraan kan dhaqna qabatanii dha (Rom. 2:28-29)
   b. Sabni kakuu amma warra saba Waaqayyoo hin taanees of keessatti qabatu (Hos. 1:10, 2:23, Rom. 9:24-26 kan eerame, akkasumas Lew. 26:12, Bau. 29:45, 2Qor. 6:16-18 fi Bau 14:2 kan eerame, Tit. 2:14 kan eerame)
   c. Manni qulqullumichaa amma Yesuusi dha (Mat..26:61, 27:40, Yoh.2:19-21) karaa isaatiin waldaa kiristaanaa naannoo (1Qor.3:16) fi amanaa matayyaan (1Qor. 6:19)
   d. Israa’eeli fi amala isaa illee gaalee kakuu moofaa amma guutummaa isa saba ni Waaqayyoo argisiisu (jechuun, “Israa’el,” Rom.. 9:6, Gal.6:16, jechuun, “mootummaa lubootaa,” 1Phe. 2:5, 9-10, Mul. 1:6)

Moodellin raajummaa (jechuu, D. Birenti Saandi, fiixee maarashaa fi murtuu haamtuu) raawwateera, baball’ateera, kanaaf amma baay’ee walitti kan qabuu dha. Barreessitoonni Yesusi fi Ergamoonni bara dhumaa akka raajoota kakuu moofaatti karaa wal fakkaatan hin dhi’eessine (Maartiin Wayingaarden, mootummaan fuulduraa raajii fi raawwii isaan). Hiiktoonni ammayyaa, isaanis moodelli kakuu moofaa akkuma jirutti yookaan irra irra isaa gochuuf kan yaalan mul’ata gara dhugaa Yihuuditti macaafa godhani hin jall’isu, akkasumas hiikoota baay’ee gara baay’ee xixxiqaatti fi, hiiki isaa ifa kan hin taanee gara ta’eetti gaalee Yesuusii fi Phaawulos isaan godha! Barreessitootni kakuu haaraa raajoota kakuu moofaa hin faalleesan, ta’us garuu ga’umsa wali gala tokkummaa isaa argisiisu. Ammam illee kan qindaa’ee, kan loojikii seerri hin jiru Yerusaaleemifis ta’e barumsa hafuuraa bara dhumaa Phaawuloosiif. Kaayyoon isaani inni jalqabaa oolchuu yookaan tiksummaa dha (1Qor. 15:58, 1Tes. 4:18).

Ta’es, kakkuu haaratti illee dhiibbaan jira. Ifa kan ta’ee akkaatee bara dhumaa tibbawwan hin jiran. Karaa baay’eedhaan mul’atni bifa ajaa’ibsiisaan kan kakuu moofaa eeran fakkiduwwan ni fayyadama, dhuma isaa ibsuuf, barsiisa Kristoos caalaa (Mat. 24, Mar.13 yookaan Phaawulos)! Innis sharbee barreefamaa duuka bu’a, Hisqeeliin, Daani’eel, fi Zakaariyaasin kan jalqabaman, ta’us garuu bara walitti dhufeenyi kakuuwwani cimseera (og-barruu Apokilaptikii Yihuudiin). Kunis karaa Yohannisiin ta’uu danda’a, kakuu moofaa fi haaraan kan wal qabsiise. Innis umuri dheeraa kan qabu gareen qooduu argisiisa, hameenyummaa namaatii fi Waaqayyoo fayyisudhaaf kan inni qabu gara kuteenya! Garuu yaada keessa galuu kan qabuu, ammam illee raajii qooqa kakuu moofaa, namootaa fi tibbawwan yoo eerees, irra deebiin kan hiiku jaarraa tokkoffaatti haala tilmaama Roomini dha (Mul. 1:7).

**Dhiphinni lammaffaan** (murnawwan yookaan saba filame)

Cimsi macaafa qulqulluu eenyummaa tokkoon, kan afuuraa, uumaa- kan oolchu, Waaqa irratti dha (Bau 8:10, Isa. 44:24, 45:5-7, 14, 18, 21-22, 46:9, Erm.10:6-7). Kan kakuu moofaa kan adda ta’e mataa isaan murnawwan yeroon. Saba naannoo sana turan baay’ee (dachaa) kan waaqessan turan. Tokkummaan Waaqayyoo raajii kakuu moofaatti wanta ol aanaa ture (Kes 6:4). Waltajii uumamaa ture Waaqayyoo fi fakkenya isaa fi bifa isaatti nama uumame kayyoo tokkummaa (Uma 1:26-27). Ta’es, mucaan namaa ni fincile, jalaala Waaqayyoo, geggeessummaa, fi irratti cubuu hojjete (Uuma. 3). Jaalalli Waaqayyoo fi kaayyoon isaa baay’ee cimaa fi amansiisaa ture, nama kufee oolchuuf kakuu gale (Uma. 3:15)!

Dhiibbaan kan inni geggeefamu Waaqayyo nama tokko, maatii tokko, saba tokko yeroo filatuu dha, warra mucaa nama hafee bira gahuuf. Waaqayyo Abirahamii fi Yihuudi filachuudhaan, akka lubaa mootitti (Bau 19:4-6)

of tuulummaa uumeera, tajaajila caalaa, adda ba'uu, walitti qabuu caalaa. Waaqayyoo Abirahmiin failaachuun isaa ijoollee namaa hundumaa eebbisu of keessatti qabata (Uma 12:3). Yaadachuuf cimsa itti kennuun kan barbaachiisu kakuu moofaan filamuun isaa tajaajilaaf malee fayyinaaf ta'uu dhiisuu isaati. Isiraa'el martuu fuula Waaqayyoo duratti raawwatee sirrii hin ture (jechuun Rom 9:6) raawwatee bara baraan hin fayyitu mirga dhalachuu isheetti fayyadamtee (Yoh. 8:31-59, Mat.3:9), garuu amantaa dhuunfaatii fi ajajuun malee (Uma. 15:6, Rom. 4. 3. 9, 22, Gal. 3:6 irratti kan eerame).Israa'eel ergama ishee dhabdeeti (waldaan kiristaanaa amma mootummaa lubootaatti, cf. 1:6, 2Phex..2:5, 9), bakka bu'unsa gara caroomutti jijjire, tajaajila gara ejjennoo addaatti! Waaqayyo tokko filatee hundumaa filachuudhaaf!

**Dhiphina sadaffaa** (kakuu haalaa kan ta'an yookaan kakuu haalaa kan hin taanee)

Kakuu haalaa fi kakuu haalaa kan hin taane gidduu dhiphinna barumsa hafuuraa yookaan (yeroo dhaga'an dhugaa kan hin fakkaanne garuu immoo dhugaa kan ta'e) jira. Amansiisa dha kan Waaqayyoo kaayyoo/karoora oolchuu isaa kan haalaani kan hin taanee dha (Uma.15:12-21 fi dhufaati Masihii). Ta'es, itti gaaffatamummaa kan qabuu deebiin namaa yeroo hundumaa kan haalati!

"Kan yoo……..booda" xin-himni lamaan isaan, kakuu haaraa fi kakuu moofaan ni raawwatama. Waaqayyo amanamaa dha. Dhiibbaan kun jeequmsa baay'ee uumeera. Hiiktooni kan isaan irratti xiyyeefatan inni tokkooffaan "gaanfa waa lama giddu tokko filachuuf nama rakkisu," irratti qofa dha, amanamumaan Waaqayyoo yookaan yaaliin namaa, olaantummaa Waaqayyoo yookaan filannoo bilisaa mucaa namaa. Lamaanuu kan macaafa qulqulluu fi barbaachisoo dha.

Kanas raajii bara dhumaa wajjin walitti firooma, abdii kakuu moofaa Waaqayyo biraa. Waaqayyo abdii yoo kenne, sun nama jabeessa! Waaqayyo abdii isaaf hidhamaadha, eenyummaan isaa itti dabalameera (Hiz.36:22-38). Kan haalaa kan ta'aanii fi kan hin taanee kakuwwan Kristoosiin walitti dhufaniiru (Isa. 53), Israa'eeliin osoo hin taane! Amanamummaan Waaqayyoo hundumtuu hundumaa oolchuu irratti kan boqotee dha, qalbi kan jijjiratanii fi kan amanaa, eenyummaa abbaa fi haadha isaani osoo hin taane! Kristoos, Israa'eeliin osoo hin ta'in, hundumaaf Waaqayyoo furtuu kakuutii fi abdiwwanitti. Macaafa qulqulluu irra waa'een barumsa hafuuraa hammatuun yoo jiraate, waldaa kiristaanaa miti, Israa'eel malee (HoE. 7 fi Gal. 3).

Wangeela addunyaaf ergamni labsuu gara waldaa kiristaanaatti darbeera (Mat. 28:19-20, Luq.24:47, Hoji.Erg.1:8). Inni sichi kakuu haalaati! Kana jechuun Waaqayyo Yihudii guutumaa guutuutti dhiiseera jechuu miti (Rom. 9:11). Bara dhumaatti, <u>amanaan</u> Israa'eel bakkaa fi kaayyoo qaba (Zak. 12:10).

**Dhiphina arfaffaa** (kan baha dhihoo moodela barreefamaa yookaan moodeeloota warra dhi'aa).

Sharbeen wanta isa olaanaa dha, macaafa qulqulluu sirritti hiikuuf. Waldaan kiristaanaa kan guddattee karaa warra dhi'aan (Girikii) aadaa yoomessaati. Og-barruun warra dhihaa caalmaan kan hin jijjiramne, fakkiduwwan, fi kan fakkeennooti kan ammayyaa irra, aadaan warra dhihaa modeelawwan og-barruuti. Kan inni xiyyaafatu namoota, walitti bu'insaa, fi tibbawwan irratti dha, yaada walitti qabama dhugaa caalaa. Kiristaanonni kan wal bira dadarban ta'aniiru, seenaa isaanitii fi modeela barreefamaa itti fayyadamuun isaanii, raajii macaafa qulqulluu hiikuudhaaf (kakuu moofaa fi kakuu haaraa). Dhalootni tokko tokkoo fi murniteessuma lafaa aadaa mataa isaa, seenaa, fi kan hin jijjiramne itti fayyadama, mul'ata hiikuuf. Tokkoon tokkoon isaani dogogoraniiru! Aadaan ammayyaa warra dhi'aaxiyyafannoo raajii maacaafa qulqulluuti jedhanii yaaduu beekuu dhiisuu isaaniti!

Yaada afuuraan liqimfamuun inni olaanaan barreessaan barreessuuf kan inni filate sharbee dubbisaa wajjin kan godhamuu wali galtee barreefamaati. Macaafni mul'ataa seenefama seenaa miti. Inni walitti makama ergaati (boonnaa 1-3), raajii, fi harki caaluu barreefama Apokilaptikii. Macaafni qulqulluun barreessa isa jalqabaa jedhamuu hanga barbaadamen olitti akka jedhuu gochuun dogogora, jechuu yoo barbaade gadi jechuu akka waan gochuu hundaa! Beekuu dhiisuu hiktootaa fi anatuu beekaan baay'ee ta'uu kan hin qabne dha kan akka mul'ataa kan fakkaatan macaafonni.

Waldaan kiristaanaa raawwatee wali galtee hin beektu mul'ata sirritti hiikuudhaaf. Ana kan na dirqisiisu macaafa qulqulluu guutummaa dhageeffachuu fi gochuu dha malee, kutaa filataman murtaa'aan miti. Macaafni qulqulluun warra bahaa irratti xiyyaafatee qindoominaan dhugaa kan dhi'eessan mirree dhiphinaan guuteeni dha. kan keenya gara warra dhihatti jalisuun keenya gara dhugaa yaada gatii hin qabneeti miti, madaalamaa miti

malee! Akkan yaaduttu tokko tokkoo kan hin jijjiramne wantoota dhabamsiisuun ni danda'ama, mul'ata hiikuudhaaf, kaayyoo jijjiramaa galmeessuudhaan, dhaloota amanaa itti fufuutiin. Hiiktoota baay'ee isaani biratti ifaa dha, mul'atni ofuma isaan yeroo fi sharbeen hiikuun akka irra jiraatu (Fii fi Situwaarti, macaafa qulqulluu faayidaa isaa hunda wajjin waa'ee dubbisuu, fuula 249-264). Mul'ata irratti kan seenaa xinhima dirqamatti qabachuun kan jiruu dubbiftoota jalqabaan kan qabaatan, qabaachuu kan danda'aan, kan hubatanii dha (jechuun, Joon Eel. Bireeyi, raawwate Mat 24). Karaa baay'eedhaan hiiktoonni ammayyaa kan macaafichaa irra caalmaa isaa hiika fakkaatti isaan dhabsiiseera. Amantaan guddaan ka'umsa Mul'ataa amantoota ari'ataman jajjabeessuuf ture. Innis Waaqayyoo seenaa akka to'atu argisiisa (raajonnii kakuu moofaa akka godhan), innis cimsa kan inni itti laatuu seenaa gara raawwata beelamameetti geggeessuu isaati, firdii yookaan eebba (raajonni kakuu moofaa akka godhan). Innis cimsa kan inni itti laatu jaarraa digdami tokkooffaatti kan Yihudii jecha Apokilaptikiiti, jaalala Waaqayyoo, argamuu, humna, fi olaantummaa!

Innis kan inni hojjetu isaan karaa wal fakkaatoo barumsa afuuraatin, dhaloota tokkon tokkoon amanaa biraan. Innis gaarumaa fi hameenya wal'aansoo waan hundaa. Jaarraa jalqabaatti tarreefamni nu jalaa badee ta'uu danda'a, garuu inni cimaan, dhugaa jajjabeesuu osoo hin taane. Kan warra lixaa ammayyaa hiiktooni tarreefama mul'ataa dirqisiisuuf yeroo yaalan, gara seenaa ammayyaa mataa isaanitti, gareen hiika dogogoraa itti fufa!

Tarreefama macaafichaa bifa nama ajaa'ibsiisuun irra deebiin kan hin jijjiramne gochuun ni danda'ama (akkuma kakuu moofaatti akka godhamee dhaloota Kristoosiif, jireenya, fi du'a akka godhame) dhaloota amantoota darbanitti geggeessa diina Waaqayyoo rakkinaan akka wal dhiiban (2Tas.2) fi aadaa. Isaan kan hin jijjiramne kun raawwatama mul'ataa eenyu iyyuu hin beekuu, hanga jecha Yesusitti (Mat. 24, Mar. 13 fi Luq 21) fi Phaawulos (1Qor. 15, 1Tas.4-5, fi 2 Tas.2) dabalataan ragaa seenaa ta'eera. Tilmaamaa, qorannaa, fi anatu beeka jechuu hundumtuu ta'uu kan qabu miti. Og-barruun Apokilaptikii dadacha'insa kana ni hiyyama. Waa'ee fakkiwwanii fi fakkeennoowwaniif Waaqayyoof ha galatu, seenaa seenefamaa bira waan darbaniif! Waaqayyoo to'ataa jira, ni mo'aa, ni dhufa!

Yaada kennitooni baay'een isaanii tuqaa sharbee ni irraanfatu! Kan ammayyaa hiiktooni warra dhihaa yeroo hundaa ifoo, kan loojikii seera barumsa hafuuraa barbaadu, hiiki isaa ifa kan hin taane, kan fakkeennoo, kan diraamaa sharbee kan ta'e Apokilaptiki Yihudii og-barruu akka ta'utti qabuu caalaa. Dhugaan kun akka ta'utti mul'isameera, Raalfi P. Maartiin, kan dhi'eesse, "hiika kakuu haara xiinhima," hiiki kakuu haaraa kan jedhu macaafni, Ayi. Hawardi Maarshaal kan qophaa'ee:

> "Barreefama kana qabiyyee diraamaa hanga itti hin yaadnetti, akkasumas qooqi isaa akkamitti akka mul'atee hanga hin yaadatinitti, dhugummaa amantaa akka ibsuu konkolaataa, Apokilaptikii hubachuu irra haala hammaateen ni dogogora, akkasumas ilaalchicha dogogoraan hiikuu ni yaalna, macaaficha akka barreefama akkasumanitti fudhachuufi, tibbawwan kan nama harkisuu fi seenaan ragaa irratti xiyyaafanna. Adeemsa cimaa irratti xiyyeefachuun gara rakkoo hiikaa gosa hundaati seenuu dha. Baay'ee bifa jabaateen inni kan hundee Apokolaptikii hiika walin dha'uu keessatti qabata, kanaaf isa kana kana kutaa kakuu haaraa gatii guddaa dhabsiisuu of keessatti qabata, akka diraama cimsa itt laatuutti seenaa himteen qooqa dubbi dachaan, kan olaantummaa Waaqayyoo Kristoosi fi bittaa isaan yeroo dhaga'an dhugaa kan hin fakkaannee garuu dhugaa kan ta'e, kanaf humnaa fi jaalala kan walitti makuu (cf. 5:5, 6, Leencichi hoolicha)" (fuula 235).

W.Randolf Taati macaafa isaa keessatti hiika macaafa qulqulluu akka qabu:

> "Sharbeen macaafa qulqulluu gosa kamii iyyuu miirummaan irraa hin dubbifamu kana kan fakkaatuu kan Apokilaptiki bu'aa inni ramadee, keessayyuu Daani'eel irratti macaafa Mul'ataa. Sharbeen kun baleessaa kan ta'ee hiika wal dha'ee seenaa of buuseerra, hundee irraa kan ta'e boca isaa, caasefama isaa, fi kaayyoo isaa hubachuu dhabuun. Dhi'ootti kan ta'uu haalaa raawwataa sababa mul'eseef kaartaa yeroo dhufuu kan argisiisuu godhamee fudhatameera. Ilaalchi kun adeemsa nama gaddisiisu, gardaafoo (firem)dubbisaan kan yeroo ammaa kana ta'uu isaati, barreessicha caalaa. Kun xin- hima wal dha'ee Apokilaptiki irratti (keessayyuu Mul'ata) hojii isaa balleesseera, iciitii barreefamaa akka fakkaatuutti, tibbawwan barichaa fakkeennowwan barreefamichaa faayidaa irra akka oolan ….tokkooffaa, kan hiikuu sun hubachuun kan irra jiruApokilaptikiin ergicha kan dabarsuu karaa fakkeennoo isaatiin ta'uu isaati. Fakkeennoo immoo akkuma jirutti hiikuun, fakkiiduu ta'ee osoo jiru, akkaataa hiika wal dha'eeti. Dhimmi isaa Apokilaptikiin kan jedhan seenaa tibbawwani ta'uu miti. Tibbawwan kan seenaa ta'uu ni

danda’u, dhugumatti ta’eras ta’uu ni danda’a, yookaan ni ta’u, ta’us garuu barreessichi tibbawwan dhi’eessuu fi hiika isaanii kan ittiin wal qabsiisuu fakkii fi barreefama adda ta’eeni dha” (fuula 137).

Bak-buusa galmee macaafa qulqulluu, Rayiken, Wilhosti fi Longiman III kan qophaa’e:

> “Dubbiftooni ammayyaa sharbee kanaan yeroo hunda akka bitaa itti galee fi abdii akka kutatanitti. Nuura hin eegamnee fi addunyaa kanaa alaa shaakala ta’e kan hin shaakallee fi kan qindaa’ee fakkaachuu danda’a, qulqulluu sagalee isaa baayee birratti. Barreefama kana fuulduratti gatii isaa fudhachuu, dubbiftoota baay’ee isaanii ‘maaltuu yoom ta’a’ gara bitaa itti galuu jedhutti isaan geggeessa, kanaaf ergaa Apokilaptikii hin dogogoru” (fuula 35).

**Dhiphina shanaffaa** (Mootummaan Waaqayyo amma akka ta’ee yookaan immoo gara fuulduraatti akka ta’u)

Mootummaan Waaqayyoo amma, sichi gara fuulduraati. Barumsi hafuuraa kun yeroo sababa gahaa kan hin qabne (Paradoksi) tuqaa raajii bara dhumaa irratti xiyyeefata. Raajiwwan kakuu moofaa tokkoo Isiraa’eeliif akkuma jirutti akka raawwatamu yoo eege, egaa mootumichi haara’uu Israa’el, kunnis gara naannoo teessuma lafaa fi dursa olaantummaa barumsa hafuuraa ta’a! kunnis durummaan kan inni godhuu waldaan kiristaanaa iciitiin harkaa fudhatmuu dha, boqonnaa 5 irratti, kanaaf boqonnawwan hafan Israa’eel wajjin walitti firoomu (garuu Mul. 22:16 osoo hin taane).

Ta’es, xiyyeefannoon abdii kakuu moofaa abdii galame Masihiin mootummaa eebbaa yoo ta’ee, egaa dhufaatti jalqabaa Kristoos wajjin ta’eera, fi xiyyeefannoo sana irraa akka namaa foon uffachuu, jireenya , du’a, fi du’aa ka’uu ta’eera. Cimsi barumsa hafuuraa amma fayyuu dha. Mootumaan isaa dhufeera, kakuu moofaan raawwatameera, Kristoosiin fayyummaa hundumaaf kennuudhaan, kan isaa bittaa bar-kumee muraasa irratti osoo hin ta’in!

Macaafni qulqulluun waa’ee lamaanuu dhufaati Kristoos himamuun isaa dhugaa dha, garuu kan inni cimsa itti laatu taa’uu kan inni qabu eessaa dhaa? Anatti kan fakkaatuu raajoonni kakuu moofaa baay’een isaanii kan isaan irratti xiyyeefatan  deebi’ee dhufuu isa jalqabaa irratti, mootummaan Masihii kan hundeefamu (Dan 2). Karaa baay’een kun Waaqayyoodhaaf kan bara baraa bakbuusa bittaati (Daani’el 7). Kakuu moofaatti xiyyaafannoon isaa bittaa Waaqayyoo kan bara baraa irratti dha, ta’us galihimni bittichaa kan mu’isuu tajaajila Masihiitiin (1Qor. 15:26-27). Gaafiichi dhugaa isa kamidha kan jedhu miti, lamaanuu dhugaa dha, garuu ciminni isaa eessatti Jedhamuu kan qabuu hiiktoni tokko tokkoo bittaa Masihii bar-kumee irratti xiyyeefachuu isaaniti (Mul.20) isaani xiyyaafannaa kan macaafa qulqulluu kan ta’ee kan abbaa bittaa bara baraa ni dogogoru. Bittaan Kristoos tibba isa dursuu dha. Kan Kristoosii dhuufatiin lamaanuun isaanii kakuu moofaatti ifaa akka hin taane hunda, akkasumas bittaa Masihii yeroodhaaf!

Lalabnii fi barumsi Yesus furtuun isaa mootummaa Waaqayyooti. Inni kan ammaati (fayyinaa fi tajaajila) dhufu dha, (bakka hundatti kan argamuu fi humna). Mul’atni bittaa bar-kumee Masihii irratti yoo xiyyaafate (Mul’ata 20), kan dursuu dha malee galma xumuraa miti (Mul’ata 21-22). Inni ifaa miti akka kakuu moofaatti bittaa yeroof barbaachisuun isaa, akka dhugichaatti yoo ta’e, Daani’eel 7 irratti kan jiru bittaa Masihii kan bara baraati, kan bar-kumee osoo hin taane.

**Dhiphina jahaffaa** (deebi’ee dhufuu Kristoos dhi’ootti yookaan kan ture lamatta dhufuu)

Amantootni baay’een isaani Yesuus dafee akka dhufuu yaadani turan, akka tasaa fi utuu hin eegamiin (Mat. 10:23, 24:27, 34, 44, Mar. 9:1, 13:30, Mul. 1:1, 3, 2:16, 3:11, 22:7, 10, 12, 20). Ta’uus garuu tokkoon tokkoon dhaloota amanaa eegatummaan hanga ammaatti dogogoranii turan! Yesuus dhi’ootti (akkuma sanaan) deebi’uu tokkon tokkoon dhalootaatiif sagalee abdii cimaa dha, qabatamaan garuu tokko qofaaf (sunis kan ari’amee). Amantoonti jiraachuu kan qaban bor akka dhufu godhaniiti, ta’us garuu karoorrii fi raawwiin kan ergama isa guddaati (Mat. 28:19-20) yoo ture.

Dubbifamni tokko tokkoo wangeela keessaa (Mar 13:10, Luq 17:2, 18:8) fi 1 fi 2 Teselonqeetti kan hundeefaman lammata deebi’uu isaa turee irratti (dhufaati lammattaa). Dursani ta’uun kan isaan irra jiru tibbaawwan kan seenaa jiru:

1. Abbaa wangeelummaa addunyaalessaa (Mat. 24:14, Mar 13:10)

2. “Mucaan cubbuu mul’achuu” (Mat.24:15, 2Tes .2, Mul. 13)
3. Rakkina isa guddaa (Mat. 24:21, 24, Mul. 13)

Ta’i jedhamee kan hiiki isaa shakisiisaa ta’e (Mat. 24:42-51, Mar. 13:32-36)! Tokkoon tokkoon guyyaa akka guyyaa dhumaa kee ta’eetti jiraadhu, ta’us garuu tajaajila kee itti aanuuf karoorsis shaakali!

**Kan hin jijiramnee fi madaali**

Jedhamuu kan danda’amuu kan ammayyaa bara raawwii adda addaa mana barnootaa hiikaa dhugaa walakaa akka qabatanitti. Barreefamootni tokko tokkoo gaarii godhani ibsu ni hiikus. Rakkoo kan qabuu dhaabbataatti fi kan madaalli ta’uu isaa irratti. Yeroo hundumaas kan qindeefamee dursi-tilmaamaa jira, barreefama macaafa qulqulluu kan itti fayyadamu, duraan dursee kan qophaa’ee hundeefama barumsa hafuuraa kan guutu. Macaafni qulqulluun kan loojiki, duraa duubaan, akkaatee raawwii raajii hin ibsu. Inni akka argisiisa gosa suuraa maatiti. Fakkiwwan dhugaa dha garuu yeroo hundumaa duraa duubaan , qabiyyeen, wali galtee kan loojikiini miti. Suuraawwan tokko tokko qabsiisa isaa keessaa ba’eera kanaaf dhaloota cimoo kan ta’aan miseensa maatii akkamitti deebisee isaan akka galchu sirritti hin beekan. Mul’ata hiikuudhaaf furtuun isaa yaada barreessaa jalqabaati, isaan sharbeen barreefamaa filatamee akka mul’ifame. Hiiktootni baay’een isaanii hiika mataa isaani meeshaawwanii fi ulaagalee fayyadamuuf ni yaalu, kan biraa sharbee kakuu haaraa, kan mataa isaanii hiika Mul’ataa. Kakuu moofaa irratti xiyyeefatu,kan Yesuusi fi kan Phaawulos barnoota heyyamuu caalaa, caasefamni barumsa hafuuraa caasefama argisiisa Mul’ataa akka ta’uu gochuu caalaa.

Fudhachuun kan narra jiruu yaada bal’aa kana kanan godhee soda fi naasuudhaan ta’uu isaati, Mul. 22:18-19 abaarsa osoo hin taane, garuu macaafni kun hiika kallaqaa sababa falmiiti, namootni hunduu sobdoota yeroo ta’an(Rom 3:4)! Adaraa kee yaada dubbi bal’aa kana yaalii sochoosuu godhaati fudhadhaa malee akka yaada xumurameetti hin ilaalinaa, akka mallattoo karaa irraa malee akka kaartaa karaatti hin ilaalinaa, akka “yoo ta’e” malee “gooftaan akkas jedha” osoo hin taane. Ani fuulaa fuulatti dhufeera, hir’ina mataa koo wajjin, ajandaa gama tokkoof looguu fi barumsa hafuuraan. Hiiktoota kan biraas ilaaleera. Innis guutuu ta’uu yoo baatees kan inni murteessu, namootni waan barbaadan hundaa mul’ata keessaa akka argatanii dha. sharbichi mataa isaa akka waliin dha’uuf haala mijeessera! Ta’us, inni macaafa qulqulluu keessaati, kaayyoo ta’eef. Teessumsi isaas akka guduunfaa “jechaa” ta’uun isaa akka tasaa miti. Waaqayyo biraa ergaa qaba, tokkoon tokkoon dhaloota ijoollee jiraniif. Waaqayyo akka hubannu barbaada! harka keenya wal haa qabannu, firoota murtaa’aan osoo hin ta’in, ifaa fi giddu galeessa kan ta’e haa jabeessinu, kan ta’uu qabu, ta’uu kan danda’u, tarii dhugaa ta’uu qabu hunda osoo hin taane. Waaqayyo hunda keenya nu haa gargaaru!

Bakka duwwaa kanaa dursa-tilmaama mataa keeti tarreessuudhaan itti fayyadami, mul’ata akkamitti akka hiiktu. Hundi keenya tilmaama mataa keenyaa qabanee gara macaafa kanaa dhufna. Isaan adda baasuu fi dhiibbaa isaanii hambisuu fi anatu beeka kan jennu daangeessuuf nu gargaara.

1.
2.
3.
4.

# SEENSA RAAJII KAKUU MOOFAATIIF

## I. SEENSA

A. Furtuu labsii

1. Hawaasni amanan akkamitti akka hiikamuu irratti wali hin galu. Dhugaawwan kan biroon kan jabaatan kallattiidhaan ejjennoo ta'eeni dha, baroota giddutti hundumaa, isa kana garuu osoo hin taane.
2. Raajiin kakuu moofaa baay'ee kan ijaaramee fi sadarkaawwan qaba
   a. Dursa-mootummaa (mooticha Saa'ooliin dura)
      1) Raajoota jedhamanii kan waamaman namoota dhuunfaa
         a) Abirahaam – Um.20:7
         b) Musee –Lak. 12:6-8, kes 18:15, 34:10
         c) Aaroon – Kes. 7:1 (Musaadhaaf jecha kan kennu)
         d) Maariyaam – Kes. 15:20
         e) Meedaad fi Eldaad _ Lak.11:24-30
         f) Dibooraa _ Abo. 4:4
         g) Maqaan isaa kan hin ibsamne_ Abo. 6:7-10
         h) Saamu'eel _ 1Sam.3:20
      2) Akka gareetti kan eeraman raajoota _ Kes. 13:1-5, 18:20-22
      3) Walga'iwwan garee raajootaa _1Sam.. 10:5-13, 19:20, 1Mot. 20:35, 41, 22:6, 10-13, 2Mot. 2:3, 7, 4:1, 38, 5:22, 6:1, k.k.f.
      4) Masihiin raajii jedhamee waamama –Kes.18:15-18
   b. Kan hin barreefamne kan mootii raajoota (mootiidhaaf dhi'eessu)
      1) Gaadi -1Sam.7:2, 15:25, 2Sam.24:11, 1Sen.29:29
      2) Naataan -2Sam.7:2, 12:25, 1Mot.1:22
      3) Ahijaa_ 1Mot. 11:29
      4) Jehuu – 1Mot.16:1, 7, 12
      5) Maqaan isaa kan hin eeramne – 1Mot. 18:4, 13, 20:13, 22
      6) Eliyaas -1Mot. 18, 2Mot.2
      7) Milkiyaas _ 1Mot. 22
      8) Elsaa'I _ 2Mot.2:8, 13
   c. Barreefama raajootaa durii (isaanis sabaaf akkasumas mootiidhaaf ni dhi'eessu):Isaayaas __ Milkiyaas (Daani'eel irraa kan hafee)

B. Jechoota macaafa qulqulluu

1. ro'el (BDB 909) = raajaa, 1Sam.. 9:9. Waabiin kun kan inni argisiisu hiika jecha Nabi, jedhuuti, innis "raajii" jechuu dha, kan inni dhufees hundee, "adda baasuus" dha. ro'el jecha Ibiruu wali gala irraa "ilaaluu" dha. Namni kun karaa fi karoora Waaqayyoo ni hubata, kanaaf waan tokko irratti fedha Waaqayyoo jabeessuudhaaf gorfama.
2. hozeh (BDB 302) = raajaa, gocha Akaadiyaa, 2Sam. 24:11. Inni bu'uura irraa ro'eh kan fakkaatuu dha. Innis jecha takkatuu Ibiruu irraa "ilaaluu" dha. Gosni gochama raajoota ilaaluudhaaf yeroo hundaa ni eerama.
3. nabi' (BDB 611) = raajaa, gocha Akaadiyaa nabu = "waamamuu" fi kan Arabaa naba'a = "beeksiisuu." Kun baay'ee kan baratamee jecha kakuu moofaati, raajii ibsuudhaaf. Innis yeroo 300 ol jedhameera. Hundeen jechaa amansiisaa ta'ee sirritti hin beekamu, garuu "waamuu" yeroo ammaa filannoo wayyu fakkaata. Ta'uu kan danda'auu hubannaa fooya'aan kan dhufuu Yaahiwwee irraa ibsa Museetiin. Faarihoni wajjin kan inni godhu walitti dhufeenyi karaa Aarooniin ta'uu (Bau.4:10-16, 7:1, Kes. 5:5). Raajaan karaa Waaqayyootiin sabatti kan dubbatuu dha (Amo. 3:8, Erm. 1:7, 17, His. 3:4).
4. Hunduu jechooni sadan tajaajila raajootaaf 1Sen. 29:29 faayidaa irra ooleera, Saamu'eel _ Ro'eh, Naataan _Nabi', fi Gaadi – Hozeh.
5. 'ish ha- 'elohim, "nama Waaqayyoo" kan jedhu gaaleen, dabalataanis sagalee Waaqayyoo kan kennu hiika bal'aa ta'ee qaba. Innis yeroo 76 kan ta'u kakuu moofaatti "raajiif" faayidaa irra ooleera.
6. "Raajaa" jechi jedhu ka'umsi isaa Giriki dha. kan inni dhufees (1) pro = "dursee" yookaan "isaan", (2) phemi = "dubbachuu" dha.

## II. HIIKA RAAJII

A. “Raajii” jechi jedhu Ibiruun bal’aa kan ta’ee hiika diree qaba, ingilliffa caalaa. Yihudiin macaafa seenaa kan ta’an Iyaasuu hanga Moototaatti (Ruuti irraa kan hafee) kan jiran adda baaseera, “raajoota duraanii.” Lamaanuu, Abirihaam (Uma. 20:7, Faru. 105:5) fi Musee (Kes. 18:18) akka raajootaatti mogafamaniiru (dabalataanis Maariyaam, Bau.15:20). Kanaaf kan ni ta’aa ingilliffaa irraa of eegadhaa!

B. “Raajjummaan karaa fudhatama qabuun seenaa akka hubachuutti mul’achuu danda’a, innis hiika kan inni fudhatu qabiyyee hafuuraa, kaayyoo hafuuraa, akkataa ilaalcha hafuuraa qofa dha” (macaafa qulqulluu galmee jechootaa hiktootaa, jildi 3, fuula 896).

C. “Raajiin falaasafaa miti, yookaan akkaatee barumsa hafuuraa, ta’us garuu giddugaleessa kakuuti, innis sagalee Waaqayyoo gara saba isaatti kan dhufu, dhufaati isaanii bifa kan qabsiisu, haroomsa isaani amma gochuudhaan” (“raajootaa fi raajii,” Insayikilopidiyaa Judayikaa, jildi 13, fuula 1152).

## III. KAAYYOO RAAJII

A. Raajiin karaa Waaqayyoo karaa itti saba isaatti dubbatuu dha, yoomessa amma irra jiran irratti geggeefama kennuuf, akkasumas inni jireenya isaanii fi tibbawwan addunyaa akka to’atuu abdi akka godhatan. Ergaan isaanii hundeedhuma irraa kan walitti qabamee dha. Jechunis hifachuudhaaf, jajjabeesuuf, amantii fi qalbi jijjiachuu, fi saba Waaqayyoof waa’ee ofii isaa fi waa’ee karoora isaa beeksisuuf. Yeroo hundaa faayida irra kan oolu Waaqayyoodhaan jecha fillatame fudhataan ifatti ibsuu dha (KeS. 13:1-3, 18:20-22). Kun akkuma jirutti yeroo fudhatamuu Masihii argisiisa.

B. Raajichi yeroo hundaa kan seenaa barichaa yookiin jeeqamsa barumsa hafuuraa fudhatee gara raawwii yoomessaatti qindeessa. Kun kan bara raawwii ilaalcha (kan raawwii) Isiraa’eelii fi miira isheef kan adda ta’ee dha, filatamuu barumsa hafuuraa fi abdii kakuuwwan.

C. Tajaajila raajii wal madaalchisuuf fakkaata (Erm. 18:18) tajaajila angafa lubaa bakka buusuuf, fedha Waaqayyoo karaa ittiin beekan. Urimii fi Tumiim gara ergaa sagaleetti kan guddatan , jecha Waaqayyoo kan kennu. Tajaajilli raajii Isiraa’eliin kan darbe fakkaata, Milkiyaas booda (yookaan macaafa seenaa booda).Innis hanga waggaa 400tti hin taane, hanga Yoohannis cuuphaatti. Kan kauu haaraa “kan raajii” kennaa kakuu moofaa wajjin akkamitti akka walitti dhufu ifaa miti. Raajoota kakuu haaraa (HoE.11:27-28, 13:1, 14:29, 32, 37, 15:32, 1Qor. 12:10, 28-29, Efe.4:11) ibsa mul’ata haaraa miti, haala murtaa’een yaada Waaqayyo dursani kan mul’isan yookaan kan raajaani dha.

D. Raajiin uumamaan kan hin guduunfine yookaan duraan kan raajame miti. Raajiin tajaajila isaa, ergaa isaa jabeesuuf kara isa tokkoo dha, garuu yaadamuun kan irra jiru “…2% irraa raajii kakuu moofaa kan Masihiiti. 5% irra kan xinnaate kara adda ta’een kan ibsu bara kakuu haaraati. 1% irraa kan xiqqaate gara fuulduratti waa’ee tibbawwan dhufaniiti” Fii fi Situwarti, macaafa qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin waa’ee dubbisuu, fuula 166).

E. Raajoonni sabaaf Waaqayyoon yoo bakka bu’an, luboonni immoo saba Waaqayyo bakka bu’u. kun ibsa wali galaati. Kan adda ta’ee kan qaban jiru, kan akka Imbaaqoom, Waaqayyoon gaaffiidhaan kan dubbisu.

F. Tokkooffaan raajoota hubachuun rakkisaa sababa inni ta’eef macaafni isaani akkamitti akka caasefame beekuu ;dhiisuu keenya. Duraa duubaan miti. Qabatamoo fakkaatu, garuu yeroo hundaa tokko akka eeguu miti. Yeroo hundumaa ifa kan ta’e yoomessa seenaa, yeroo adda ta’e, yookaan ramaddi ifa ta’en raajiwwan gidduu dhaa hin jiru, rakkisaa dha (1) macaaficha of irra gadi taa’uu tokkkoon dubbisuu dhabuu, (2) dhimma mata duree irratti tarreefama isaa baasuu dadhabuu isaa, fi (3)tokkoon tokkoon raajii irratti yaada giddugaleessaa yookaan yaada barreessaa cimsa itti laachuun hin danda’amu.

## IV. AMALAWWAN RAAJII

A. Kakuu haaraan "raajaa" fi "raajii" kan jedhu yaad-rimee guddachaa kan dhufe fakkaata. Kan durii kan Isiraa'eel tokkummaa raajootaa guddifachaa dhufeera, kan akka Eliyaasi fi Elsayi kan jiran jabaa fi geggeesitoota simboo qabaniin geggeefamaa. Yeroo tokko tokkoo "ijoollee raajootaa" gaaleen jedhu garee kana waamuudhaaf faayida irra ooleera (2Mot.2). Raajonni kan yeroo gosa yaada hafuuraan liqimfamuu amala fudhachuu qabu turan (1Sam. 10:10-13, 19:18-24).

B. Ta'us yerichi ariifatee gara raajoota matayyaatti darbe. Raajooni turaniiru (lamaanuu, kan dhugaa fi kan sobaa) mooticha wajjin kan mul'atanii fi mana mootummaa keessa kan jiraatan (Gaad, Naataan). Dabalataanis, bilisa kan ta'an turan, yeroo tokko tokkoo ejjennoo hawaasa Israa'eel wajjin raawwatanii kan wal hin argine (Amoos). Isaan dhiiraas durbas turan (2Mot.22:14)

C. Raajaan yeroo hundaa dhufaati isaa kan ibsuu dha, matayyichi yookiin sabichaaf akkuma sanaan deebii kan hin dachaane. Kun kan waan hundumaa karoora ga'umsa dhumaa uumama isaatti argisiisuu ture, kunoo arraba namaatiin kan hin dachaanee. Kun karaa hundumaan karoora ga'umsa dhuma raajoota Israa'el biratti kan adda ta'e ture, baha dhi'oo duri. Kan raajamee fi amanamummaa kakuu ergaa raajummaa giddu galeessa lakkuu dha (Fii fi Situwaarti, fuula 150). Kun kan inni argisiisuu raajooni adda durummaan xiyyaafannoo isaaniitiin kan gumaa'aan ta'uu isaati. Isaanis yeroo hundaa, garuu kan hin gumoofne kan ta'en , saba Israa'eetti ni dubbatu.

Baay'een isaa raajiin raajamee jechaan ture. Booda irratti qabataamaa fi duraa duubaan kan wal makan, yookaan kan biroo sharbee og-barruu baha dhi'oo, amma nu kan isaan hin arganne. Jechaan ta'uu isaa irraa kan ka'e akka barreefama hololotti kan caasefame hin ture. Kun macaaficha kallattidhaan keessa darbaan dubbisuudhaaf rakkisoo isaan godheera akkasumas hubachuudhaaf rakkisaa, kan adda ta'ee yoomessa seena hanga hin jireetti. Raajoonni gareewwan baay'ee fayyadamaniiru ergaa isaani dabarsuudhaaf

1. Argisiisa mana murtii __ Waaqayyo saba isaa gara mana murtiitti isaan geessa, innis yeroo hundaa dhimma wal hiikuuti, achitti Yaahiwween haadha manaa isaa yeroo dhiisuu (Israa'eel) amanamtuu waan ta'uu dhiifteef (Hos. 4, Mik.6)
2. Faarsa sirna hawaalaa irratti nama du'eef faarfatamu __ ergaa fi amala gosa akkassi safartuu adda ta'een "wayyoo" akka boca addaatti ilaalama (Isa. 5, An 2).
3. Eebba kakichaa kan ibsuu __ haala uumama kakichaaf cimina laata akkasumas bu'aa inni argamsiisu, bifa sirrii ta'een, yeroo dhufutti ni mul'atu (Kes.27-28)

V. RAAJAA DHUGAATIIF ADDA KAN ISA GODHUU MIRKANEEFANNAA KAN MACAAFA QULQULLUU

A. Kes 13-1-5 (kan raajaman/mallattowwan)
B. Kes. 18:9-22 (raajoota sobduu/rajoota dhugaa)
C. Lamaanuu dhiirootni dubartootni akka raajootaatti yookaan akka raajiititti ni waamamu
   1. Maarihaam – Bau 15
   2. Diblooraa – Abo.4:4-6
   3. Huldaahi – 2Mot.22:14-20, 2Sen. 34:22-28

Akka aadaa naannootti raajootni kennaa raajuutiin ni beekamu. Isaanis Israa'eelitti kan beekaman

1. Qormaata barumsa hafuuraa – maqaa Yaahiwwee fayyadamuun
2. Qormaata kan seenaa – raajiwwan sirritti raajaaman

VI. RAAJII HIIKUUF QAJEELFAMA GARGAARAN

A. Kan raajii jalqabaa (qopheessaa) yaada barbaadi, seenaa yoomeessaa isaa galmeessuudhaa fi tokkoon tokkoon barreefama qabiyyee raajichaa galmeessuudhaan. Innis yeroo hundumaa Israa'eel kakuu Musee cabsuu of keessatti qabata.

B. Guutummaa raajiicha dubbisiti hiiki, kuticha qofa osoo hin taane, tarreefama qabiyyichaa baasi. Raajiiwwan nnnnoo wajjin akkamitti akka walitti dhufanilaali. Kan guutummaa macaafichaa tareefama yaada ijoo baasuudhaaf yaali (ramaddii barreefamatii fi sadarkaa keeyataatti).

C. Kan dubbifamichaa osoo hin jijjiramniin (akkuma jirutti) hiika tilmaami, kan isaa barreefama fakkiduu akkaataa fayyadama hanga argatutti, achi irraas qooqa fakkiduutiin gara holoolotti jijjiruuf yaali.

D. Gochawwan bak-buusawwani seenaa yoomeessa fi akka barreefama walcinaatti tarreessi. Yaadachuu kee sirritti beeki, kun kan duri barreeffama baha dhi’oo ta’uu isaa, barreefama warra ba’aa ammayyaa osoo hin taane.

E. Kan raajaman of eegannoodhaan qabi
1. Isaan bifa adda ta’een yeroobarreesichaatii?
2. Isaan seenaa Israa’eel keessattii raawwatamaniiruu?
3. Haaloota gara fuulduraatii?
4. Raawwii baricha keessatti ta’uu qabuu akkasumas gara fuulduraatti raawwi ta’uu?
5. Barreesitootni macaafa qulqulluu deebiiwwan kee akka geggeessan hiyyami, barreesitoota ammayyaa osoo hin taane.

Xiyyaafannoowwan addaa:

1. Kan raajamee deebii haalanii ilaaleeraa?
2. Raajiichi eenyuuf akka ta’ee amansiisaadhaa (maaliif)?
3. Macaafa qulqulluudhaa fi/yookaan seenaadhaaf raawwii baay’ee ta’ee carraa qabaa?
4. Barreesitootni kakuu haaraa yaada hafuuraan liqimfamuu jalatti Masihichaa kakuu moofaatti bakka baay’eetti ilaaluu danda’aniiru, nuuf ifa ta’uu yoo baatees. Ramaddiiwwan bal’oo yookaan jechoota kan fayyaaman fakkaatuu. Nuun waan hin liqimfamneef, galumsa kana isaanii yoo dhiifne kan wayyuu dha.

## VII. MACAAFOOTA GARGAARAN

Fiixee maarashaa fi meeshaa ittiin qeexxa’an, raajii macaafa qulqulluu fi qooqaa Apokilaptikii irra deebiin yaaduun D.Birenti Sandi

Raajii macaafa qulqullu geggeefama Kaarli E. Armeending fi W. Wardi Gasku

Macaafa qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin dubbisuu Gordeen Fii fi Daagilas Situwaarti

Garbooonni koo raajoota Edwardi J. Yaangi

Ibsa macaafa qulqulluu yaada bal’aa, jildii 6, “Isaayas- Hizqeel,” Zondorfaan

Raajii Isaayasiin J.A. Aleksander, 1976, Zondorfaan

Isaayaasiin ibsa H. C. Luupoldi, 1971, Beker

# SEENSA MUL'ATA YOHAANNIS

**BANTUU DUBBII ISA JALQABAA**

A. Baay'een beekumsa koo barnoota/barumsa hafuuraa dursi tilmaamaa jireenyi koo qabaachaa ture, macaafa qulqulluu kan amanan "akkuma jirutti" ni fudhatu kan jedhu ture (akkasumas sun seenaa seenefamaaf sirritti dhugaa ture). Ta'us, baay'ee ifa naaf ta'aa dhufe, jechuun, raajii, dubbi dacha, fakkeenyoota, fi barreefama Apokilaptikii akkuma jiruttii fudhachuun barreefama yaada hafuuraan liqimfamuu isaa tuqaa isaa dogogoruu dha. yaada barreesichaa, kan hin bilchaatiin ta'uu isaa osoo hin taane, macaafa qulqulluu hubachuudhaaf furtuu barbaachiisa dha. Macaafni qulqulluun bifa kanaan baay'ee akka dubbatu gochuu (keessaayyuu Doktiriiniidhaan) bal'aa kan qabuu fi dogogorsaa dha, yaada hafuuraan liqimfamuu yaada barreessaa jalqabaa bifa xiqqaatee akka gochuu. Xiyyaafannoon isaa ta'uun kan irra jiru qabiyyee barreefamaa bal'aa ta'ee dha, yoomessaa seenaan, fi barreesichi barreefama isaa keessatti karaa inni yaada ittiin ibsee fi fillannoo sharbee isaati. Sharbeen kan mul'atuu barreesichaa fi dubbisicha giddu akka wali galtee jiruti. Ragaa kana dogogoruun dhugumatti gara hiika dogogoraati geesa!

Macaafni mul'ataa sirritti dhugaa dha, ta'us garuu seenaa seenefamaa miti, akkuma jirutti kan fudhatamu miti. Sharbichi mataan isaa tuqicha ni hiyyisiisa, caluma jennee yoo dhageefanne iyyuu. Kana jechuun yaada hafuuraan liqimfamuu yookaan dhugaa miti, fakkiduu dha, kan iciitii, bak-buusa, fakkiduu fi kan nuuraati. Kan jaarraa tokkooffaa Yihudootaa fi kiristaanoota barreefama kan akka kanaa kan baratan turan, nu garuu akkas miti! Bak-buusummaan kiristaanaa qubeelawwan gooftaa yookaan seenaa Naarniyaa tarii walcinnawwan ammayyaa ni ta'u.

B. Mul'atni kan adda ta'e sharbee barreefamaa Yihudiiti, kan Apokilaptikii. Inni yeroo hundaa faayidaa irra kan ooluu yeroo dhiibbaadhaan guutamaniti dha (jechuun, Israa'eel humna hormootaatiin yeroo gadi qabaman) Waaqayyoo seenaa akka to'atuu fi saba isaaf fayyina akka fiduu kutannoo isaa argisiisuuf. Barreefamni akka kanaa amalli inni godhuu

1. Olaantumaa Waaqayyoo karaa maraan miira cimaa (Waaqa tokkichatti amamuu fi murteessuu)
2. Gaarii fi hamaa gidduu walfalmii jiruu, barri hamaan kunii fi bara tolaa dhufuu (bifa lama kan qabu)
3. Fayyadamni jechoota iciiti (yeroo hundumaa kakuu moofaatti yookaan kakuu keessa og barruu Apokilaptikii)
4. Halluuwwan bineeldoota, yeroo tokko tokkoo bineeldoota/namoota fayyadamuu isaa
5. Lakkoofsoota wal fakkaatan fayyadamuu (jechuun, 4,6, 7, 10, 12)
6. Giddugaleessa ergamaa, mul'ataa fi abjuudhaan fayyadamuu isaa, garuu yeroo hundaa karaa hiikaatiin
7. Jalqaba irratti kan irratti xiyyaafatuu dafee dhufuu isaa irratti, bara dhumaatti (bara haaraatti) bu'awwan fiixee irra ga'an
8. Kan murtaa'aan fakkeenyawwan walitti qabaman fayyadamuun, dhugaa osoo hin taanee, ergaa baricha dhumaa Waaqayyoo biraa wal argisiisu
9. Tokko tokkoo kan akka kanaa fakkeenyoota sharbee:
   a) Kakuu moofaatti
      (1) Isaayaas 13-14, 24-27, 56-66
      (2) Hizqeel 1, 26-28, 33-48
      (3) Daani'el 7-12
      (4) Iyu'eel 2:28-3:21
      (5) Zakaariyaas 1-6, 12-14
   b) Kakuu haaraa
      (1) Mat.24, Mar. 13, Luq. 21, fi 1Qor. 15 (tokko tokkoon karootaa)
      (2) 2Tes.2 (karaa baay'eedhaan)
      (3) Mul'ata (boqonnaa 4-22)
   c) Daani'eel 7:12 fi Mul.4-22 fakkeenyoota beekamanii dha, sharbee n kun, macaafa qulqulluu keessatti

10. Kan hin madaalamne (D. S Ruseel irraa kan fudhataman, Yihudii Apokilaptikii tooftaa fi ergaa, fuula 37-38)
    a. 1Heenook, 2Heenook (iciitiwwan Heenook)
    b. Macaafa Jubilas
    c. Raajiwwaan Sibilin III, IV, V
    d. Dhuga baatii abboota kudha lamanii
    e. Faarfannawwan Solomoon
    f. Sagalee Musee (fudhatamuu)
    g. Kan Isaayaas kitimamtoota
    h. Kan Musee Apokalipsii (jireenya Addaami fi Heewaan)
    i. Apokilaptiki Abirahaam
    j. Dhuga-baatii Abirahaam
    k. 2Isdiraas (4Isdiraas)
    l. 2 fi 3 Baarook
11. Sharbee kana keessatti miira lamaanu jira. Innis dhugicha kan ilaalu tartiiba kan qabu lamaanuu, dhiphina, yookaan wal falimii dha (kun barreefama Yohaannisitti kan baratamee dha ) giddu galeessi isaas:
    a. Samii – ardii
    b. Bara hamaa (namoota hamoo fi ergamoota hamoo) – bara tolaa haaraa (namoota gaarii fi ergamootaa gaarii)
    c. Le'ii ammaa – le'ii gara fuulduraa

    Isaan kun hunduu bareedaa kan jiran Waaqayyo dhufaa kan jiru wal qixeessuufi dha. Biyyi lafaa kun Waaqayyo akka ta'u barbaadaa hin jiru, ta'us garuu inni karoorsuu isaa, hojjechuu isaa, heyyama isaa adeemsisuu isaa itti fufeera, Heden Ganatitti kan jalqabame dhufeenya dhi'oo debisuudhaaf.Tibbi Kristoos karoora Waaqayyoof qaama isa olaanaa dha, garuu dhufaatiiin lamanuu kan ammaa bifa lamaan fideera.

C. Isaan hojiwwan Apokilaptikii kun jechaan raawwatanii hin dhi'eefaman, yeroo hundaa ni barreefamuu. Baay'ee caasefama hojiiwwan og-barruutti. Caasefamuun isaa barbaachisumaa hiikaaf barbaachiisadha. Macaafni mul'ataa caasefama karoorfameen kutaa isa jalqabaa ramaddii barrefama torba dha, isaanis bifa murtaa'een wali wali isaaniif wal cina kan ta'an (fakke. mallattowwan torban, malakata torban, fi xoofoowwan torban). Tokkoon tokkoon yeroo isaa eegatee firdiin isaa ni dabala: mallattowwan, ¼ badiisa: fi malakatawwan, 1/3 badiisa: xoofoowwan, badiisa wali gala. Tokkoon tokkoon ramaddii barreefamaan lamata deebi'ee dhufuu Kristoos yookaan bara dhumaa tokko tokkoo tibba qabaata: (1)mallattowwwan jahaffaa, 6:12-17, (2)Malakata torbaffaa, 1:15-18, firdii ergamaa bara dhumaa14:14-20, (3)Xoofoo torbaffaa, 16:17-21 gahaanam irra deebiin 22:6-16 (dabalatanis kan Waaqayyoo waamama tokko sadaffaa hubadhu, 1:4, 8 fi Kristoos 1:17, 18,"kan jiru, kan ture, kan dhufuus," kallattin hafee 11:17 fi 16:5 irratti akka dhiifame hubadhu, jechuun kan fuulduraa dhufeera [jechuun lamaffaa dhufuu]). Kun kan inni argisiisu macaafichi duraa duubaan taa'uu dhiisuu isaati, ta'us garuu ta'iwwan baay'een kan jiru diraamaa yeroo fi sa'a wal fakkaataa ta'ee, dabalaa kan deemuu cimaa kan kakuu moofaa yaada firdii ni argisiisa (Jamsi Bilevins, mul'ata akka diraamaa fi "sharbee mul'ataa" xinxaluu fi mul'isuu, Septe, 1980, fuula 393-408).

Kutaallee barreefamaa torbaa fi dursa-seenaatii fi booda seenaa qaba

1. Dursa- seenaa, 1:1-8
2. Boqonnaa 1:9-3 (Kristoosii fi torban garee waldaa kirstaanaa"
3. Boqonnaa 4-8:1 (samii fi mallattoowwan torban [2:1-17 mallattowwan 6ffaa fi 7ffaa gidduu galeera])
4. Boqonnaa 8:2-11 (ergamaa torba fiinoodhaan [10:1-11:13 malakatawwan 6ffaa fi 7ffaa gidduu galeera])
5. Boqonnaa 12-14 (hawaasa lamaa fi geggeesitoota isaanii)
6. Boqonnaa 15-16 (ergamoota torba waciiti wajjin)
7. Boqonnaa 17-19 (Baabilooni fi firdii ishee)
8. Boqonnaa 20-22:5 (firdii fi samii fi lafa haaraa)
9. Seenaa-booda, 22:6-21

Kan biraan guduunfaan yad-rimee kan inni amanuu barreessaa Wiliham Hendiriksen dha. Macaafa isaa keeessatti, warra mo'an keessaa kan caaluu, kitaaba isaa bifa kanaan yaada-ijoo teesiseera:

1. Boqonnaa 1-3 (Kristoos baattuu ibsaa sana gidduu)
2. Boqonnaa 4-7 (mallattoo torban kitaabichaa)
3. Boqonnaa 8-11 (torban malakata firdii)
4. Boqonnaa 12-14 (dubartitti fi mucaa dhiiraa jaawwee fi gargaartoota isaan ari'ataman [bineensichaa fi halaleetti])
5. Boqonnaa 15-16 (waciiti dheekamsaa torban)
6. Boqonnaa 17-19 (kufaatii ejjitutti guddoo fi kufaatti bineensichaa)
7. Boqonnaa 20-22 (jawwichaan (seexana) irratti firdii, itti fufees samii haaraa fi lafa haaraa, Yerusaaleem ishee haaraa)fuula 28

   *Injifataa ni caalaa irra, WilihaamHendiriksin*, kutawwan mul'ata torba qabu jedha: 1-3, 4-7, 8-11, 12-14, 15-16, 20-22 akkasumas isaan kun tokkoon tokkoon isaani wal cinaa fi dhuufaatti Kirstoos isa jalqabaa yeroo jiran kan haguganiidha (fuula 22-31).

   Amma illee dhugumatti mallattoowwan, malakatawwan, fi waciitiwwan wal cina diraamaa yoo wali gales, dabalataniis baay'ee kan nama booji'u 17-19 hanga 20-22 wal cina jiruun dha (lamaffaa dhuun isaa 19:11-21 waan jiruu fi lamaffaa dhufuun isaa kan biraan 22:6-16 irratti), tokkoon tokkoon kutawwan torbanii firdii lamafffaa dhufuu isaa irratti eessatti akka ga'aan arguu hin dandeenye, keessa iyyuu boqonnaa 1-3, gosi tokko tokkoo kallatti firdii akka tibba bara dhumaatti yoo ilaalamuu baate (cf.2:5, 7, 11, 16-17, 25=26, 3:5, 10, 12, 18-21). Ta'es, anaaf kan guduunfaa torban kanaa kan macaafa guutuu wal cinaa caasefama akka gaariitti ilaaluuf kan hubatan ta'eera.

D. Lakkoofsa "torba" caasefama kitaabichaa irratti bakka guddaa kan taphatuu ta'uun isaa ifaa dha, waldaa kiristaana torban, mallattowwan torban, wacittiwwan torban irratti akka danda'u. kan biroon "kan torbani" fakkeenyootni: , 22:3)

1. 7Eebbawwan 1:3, 14:13, 16:15, 19:9, 20:6, 22:7, 14
2. 7Baattu ibsaa 1:12
3. 7Hafuurota Waaqayyoo 1:4, 3:1, 4:5, 5:6
4. 7Urjiwwan, 1:16, 20, 2:1
5. 7Ibsawwan abidda 4:5
6. 7Macafoota maxanfaman 5:1
7. 7Gaanfoota, kan hoolichaa gosa torba, 5:6
8. 7Jechawan galataa Yesuus,5:12
9. 7Mallattowwan uumamaa, 6:12-14
10. 7Gosawwan namaa ,6:15
11. 7Jechawwan galataa Waaqayyoo, 7:12
12. 7Ergamoonni Waaqayyoon dura,8:2, 6
13. 7Ergamoota torban kan wal qabatan malakawwan torban, 8:6 (15:1, 6, 7, 8, 17:1, 21:9)
14. 7Mallattowwan torban 7, 12:1, 3, 13:13, 14, 15:1, 16:14, 19:20
15. 7Matawwan torban 7 aangoo jawwee diimichaa, 12:3
16. 7Mataaa jawwee galaanaa, 13:1, 17:3, 7
17. 7Ergamaa 7, 14:6-20
18. 7Dha'ichawwan 7, 15:1, 21:9
19. 7Gaarowwan 7, 17:9
20. 7Moototа 7, 17:10
21. 7wantoota isaanis boqonnaa 21-22 kana booda kan hin jiraanne (21:1, 4[yeroo afur], 21:25, 22:3)

E. Hiikni macaafa kanaa loogi barumsa hafuuraaf kan saaxilamee dha. dursi tilmaamaa isa tokkoo hiikicha gara tarrreefama hubachuuf nama rakkisuuti geesa. Isaan dursi tilmaamaa barumsa hafuuraa sadarkaa baay'eedhaan mul'atu

1. Argama bak-buusawwaniin
   a. Kan kakuu moofaa kan eeran

(1) Qabatama kakuu moofaa, akka uumamaa, kufaati, Seera ba'uu, Yerusaaleemiin haraa'aa kan jiran
(2) Dhibbaan kan lakka'aaman eertootni (kallattidhaan kan hin taane luqisiwwan) raajoota kakuu moofaa

b. Kan kakuu (wal qabataa) og-barruu Yihuudi (1Heenook, 2Baarook, Sibilinii kan raajaman, 2Isdiriyaas)
c. Jaarraa tokkooffaa addunyaa Girik-Roomaatti
d. Kan durii baha dhi'oo durii kan fakkiduu seenaawwan uumama urjillee (keessa iyyuu Mul 12)

2. Kan macaafa daangaa yeroo
   a. Jaarraa tokkooffaa
   b. Tokkoon tokkoon jaarraa
   c. Dhaloota bara dhumaa
3. Gareewan akkaatee barumsa hafuuraa (fuula 14 irratti ibsa jiru ilaali, "seenaawwan yaad-rimee hiikaa" C, xumura gaarii, macaafni mul'ataa walqabsiiftoota afur, qopheessi  C. Maarviin Peeti)
   a. Mul'atni duraan raawwateera kan jedhu
   b. Kan seenaa
   c. Kan gara fuulduraa
   d. Kan yaadamee
4. Boqonnaa 20 irratti ejjennoo barumsa hafuuraa (fuula 193 irratti gabatee jiru ilaali, xumurawwan gaarii: (1) Hiika bar-kumee: ilaalcha afur,  qopheessan Roobert G. Kiloosi fi bar'kumee fi isa booda ilaalchawwan sadi, qopheessan Daareel Eel. Book)
   a. Bar-kumee
   b. Bar-kumee booda
   c. Bar-kumee dura
   d. Wallakaa bar-kumee dura

> Akkaataa addumaa seera hiikaan yoo ilaalamu (hiikaaf dubbiftootni adda addaa) fi barbaachiisoo kan hin taane anatuu beekaan (kan ilaalcha hundumaa beekuu), akkamitti hiikaan tokko itti fufuu danda'aa?

1 Haa fudhannu, kiristaanoota ammayyaa warra lixaa sharbicha hin hubatan akkasumas eertoota seenan hubachuu hin danda'an, kiristaanootni jaarraa tokkooffaa akkuma sanaan kan isaan hubatan.
2 Haa fudhannu, tokkoon tokkoon dhalootaa mul'ata kiristaanii gara mataa mataa isaanitti yoomessa seenaa mattayyaa akka hin dirqisiifne hanga ammaatti hundumtuu akka dogogoran.
3 Macaafa qulqulluu haa dubbifnuu seerawwan barumsa hafuuraa dubbisuu keenya dura. Tokkoon tokkoon mul'ataa/raajii kan barreefamaa qaiyyee- barreefamaa barbaadii fi dhugaa giddu galeessa kaa'ii keeyata ibsaa tokkoon. Dhugaa giddu-galeessa wal fakkaataa dha kan inni ta'u, tokkoon tokkoon dhaloota amanaaf, tarreefamichi kan inni adda ta'eef tarii fayyaduu kan danda'uukan jalqabaatii fi/yookaan kan xumuraa dhaloota amanaati. Tarreefamichi fayyaduu danda'a, seenaan garuu, barumsa afuuraa osoo hin taane, raawwii isaani argisiisa.
4 Macaafni kun duraan dursee jajjabinaa fi jecha nama jajjabeesu ta'uu isaa haa yaadannu, amanamummaaf, kan amananiif, hari'atama irra kan jiran amantootaaf. Macaafni kun dhalootni tokkoon tokkoon amanaa wanta rakkisaa kan deebisu miti, yookaan tibbawwan bara dhumaa karoora tarreefamaa.
5 Utuu jabaatanii gaarii kan inni ta'uu, hawaasa kufee mootummaa wajjin adeemsa walitti bu'iinsaa irra jiraachuu isaati. Jalqaba irratti ni raawwata, jechuun biyya lafaa akka mo'ee (akka qaraaniyoo), garuu turaa, Waaqayyoo olaanaa dha, innii seenaa ni to'ata, du'aa fi jireenya. Sabni isaas  isaan kan injifatanii dha!

F. Rakkisaa ta'uu hiikaa fi kan nama rakkisuu ta'uu hiikaa irraan kan ka'ee, macaafni kun ergaa qaba, ta'us Waaqayyoon biraa jecha yaada afuuraan liqimfamuuti, sabichaaf barootta hundumaati. Macaafa adda ta'e kana dubbisuuf yaaliin dabalataa barbaachiisaa dha. Tooftaan ejjennoo safartuu kakuu haaraatiin dhagaa golee isaa ergicha argisiisa. Aleen Jonseen, kan ibsa yaada bal'aa macaafa qulqulluu, jildii 12, akkas jedha

> "Tarii, akka sana ta'u danda'a, wangeelaa keessatti baay'ee adda kan godhe hundee qabeessa fi barumsa nama kakaasu qabateera, doktirinii kristaanaa fi duuka buutootni qulqulluu sagalee isaan

> bakka kamitti iyyuu kan argamu. Kan tokko tokkoo akka malee kan ta'ee, isaanis yaada isaanii raajii irra kan godhan, Kristoos irra gochuu caalaa, yookaan akkaataa ilaalcha hiikaatiin tuqaalleen harki caaluu kitaaba dinqisiisaa kana keessa dhugaawwan jiran irratti akka hin hirmaanee dhadhabsiifneera" (fuula 299).

Dhugumatti jechii Yesuus inni dhumaa waldaa kiristaanichaaf akka jedhee yaadadhaa! Waldaan kiristaanaa isheen ammayyaa cal jechuu yookaan hirisuuf ija jabaachuun irra hin jiru! Isaan amantoota kan qopheesanii dha gammachuu fi rakkinaaf, karaa isa hundumaa danda'uu Waaqayyootiin (tokkummaa), dhugaa hamaa sana (lamatti qoodu murtaa'een). Itti fufaa kan jiruu bu'aa kufaatii (hameenya mucaa namaa), fi ijoollee namaa oolchuudhaaf kakuu Waaqayyoo (kakuu haala irratti hin hundoofne, Uma. 3:15, 12:1, 3, Bau 19:5-6, Yoha. 3:16, 2Qor. 5:21).

**BARREESICHA**

A. Ragaa keessaatiin ergmaan Yohaannis barreessaa dha
    1. Barreessichi inni Yohaannisin akka ta'e yeroo afur eereera (cf. 1:1, 4, 9, 22:8)
    2. Innis irra deebiin of waameera
        a. Garbicha (cf. 1:1, 22:6)
        b. Obboleessa fi rakkina isaa kan hirmaatu (cf. 1:9)
        c. Raajaa (cf. 22:9), kitaaba isaas raajii jedheera (cf. 1:3, 22:7, 10, 18, 19)
    3. Inni kakuu moofaa ni beeka (LXX osoo hin fayyadamne, Targuum) akkasumas bara lafa honaa keessa naanna'uu, godoo bakka bultii isaa fi kan barichaa duraa fi aantee mana sagadaa.

B. Ergamaan Yohaannis barreessaa ta'uun isaa ragaa alaa, barreesitoota kiristaanaa durii
    1. Ergamaa Yohaannis, mucaa Zabdiyoos
        a. Jostiin Maartiin (Roomi bara haraara 110-165) haasa barreefamaa Tiripoo 81.4
        b. Irinus (Liyunis bara haraaraa 120-202) mormii Herisees IV, 14.2, 17.6, 21.3, V. 16.1, 28.2, 30.3, 34.6, 35.2
        c. Tartuliyaan (Kaaba Afrikaa bara haraaraa 145-220) keessa mormii Piraaksiis 27
        d. Orijiin (Aleksanderiyaa bara haraaraa 181-252) keessa
            (1) Lubbuudhaan, L: 8:1
            (2) Marsiyooniin mormuun II:5
            (3) Faallaa amantii kan deemuun mormuun III:14, 25
            (4) Selsesin mormuu, VI:6 32, VIII: 17
        e. Safartuu Muratooriyaa (Roome bara haraara 180-200)
    2. Kan biraan kan ibsan
        a. John Mark__kun duraan Daayuniseestti kan eerameedha, Phaaphaasii Aleksandeeriyaan (bara haraara 247-264), innis kan ergamaa Yohaannis barreessaa ta'uu isaa kan hin fudhanne, garuu ta'us, hojii isaa akka qulqulluu sagaleetti fudhateera. Fudhachuu dhiisuu isaa hundee irraa kan godhee jechoota fi tooftaa isaan akkasumas kan biroo irra barreefama Yohaannis wajjin wal fakkaachuu dhiisuun isaa amala isaati. Inni kan Qusaariyaa Iyusibisiin amansiseera.
        b. Jaarsichi John __ kun kan inni dhufuu Iyusibuus Paapiyaas irraa kan eere dha (seenaa ogummaa 3.39.1-7). Ta'es, eerama Paspiyaas tarii waamama kana ergamaa Yohaannis itti fayyadameera ta'a barreessaa kan biraan cimsa itti kennu caalaa.
        c. Yohaannis cuubaa- (booda irratti kan ta'ee sirresitoota dabalatee) akka jedhu, J, Masingibardi Foordi gadiitoo yaada bal'aa macaafa qulqulluu, Yohaannis cuuphaadhaan kan "hoolaa" fayyadama irratti hundaa'uudhaan, Yesuusiif. Waamamni kun kan inni raawwatamee kan biraan naannoo mul'ataa qofaa irratti.

C. Diyunises, Phaaphaasi Aleksaanderiyaa (bara haraaraa 247-264) fi duuka buutuu Orogin, shakkii isa ibsuun kan jalqabaati (kitaabni kun badee turee, garuu inni kan Qisaariyaa Iyusibiyus eerameera, isaa wajjin haala wali galuun) waa'ee ergamaa Yohaannis barreessaa ta'uu isaa, kan inni irratti hundaa'ee
    1 Ergama Yohaannis ofii isaa addunyaa wangeelaatti ergaawan isaan akka Yohannisitti hin eere, mul'ata garuu "Yohaannis" irraa ti
    2 Caaseefa mul'ataa wangeelaa fi ergawwan isaa irraa adda baasa
    3 Jechii mul'ataa Wangeelaa fi ergawwan isaa irra adda baasa
    4 Mul'atni tooftaa seer-lugaa wangeelaa fi ergaawwan isaa irraa sadarkaa gad aanaa ta'een kan jiru dha

D. Tarii wal falmii inni jalqabaa ammayyaa barreessaa ta'uu Yohaannis irratti kan inni fidee R. H Chaalres dha, qulqulluu Yohaannis, jildi 1 fuula xxxix.
E. Baay'een isani kan ammayyaa ayyuun kitaabootni kakuu haaraa baay'een barreessaa aadaatiin hin fudhanne. Kallatti wali gala kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u kan walitti fidu, barreessaa mul'taa, Reyimondi E. Biraawun ta'uu danda'a, ayyuu beekamaa Katolikii Johaniin. Gadiitoo yaada bal'aa macaafa qulqulluu jildii seensaa, "kan barreefame raajaa kiristaanaa Yihudiitiin maqaan isaas Yohaannis mucaa Zabdiyoos, yookaan Wangeelaa Johaaniin yookaan ergaawwan isaa kan barreesse" (fuula 774).
F. Karaa baay'eedhaan barreessaa ta'uun amansiisaa miti. Ajaa'ibsiisoo kan ta'an kan wal cinaawwani kan biroo barreefama ergamaa Yohaannis wajjin jiru, akkasumas ajaa'ibsiisoo kan ta'an garaagarummaa. Kitaaba kana hubachuudhaaf furtuun isaa barreessaa ta'uu namaa osoo hin taanee, barreessaa waaqa irraati! Barreessichi raajaa yaada hafuuraan liqimfamee ta'uu isaan amanameera (cf. 1:3, 22:7, 10, 18, 19).

**YERICHA**

A. Kun dhugumatti bifa cimina qabuun kan wal qabsiisu barreessicha irraa fi ilaalcha hiikaa wajjini dha (yaada-rimewwan kan seenaa C.)
B. Yeroowwan yaadamaan tokko tokkoo
   1. Yeroowwan barataman bittaa Domitiyaa irratti dha (bara haraaraa 81-96) sababni isaa ragaa keessoo ari'atamichaa wajjin wal walsimuuf
      a. Iriniyuus (Isibiyusiin kan eerame) manafiqoota mormuu irratti, 5.30.3. "Inni (ari'atama kana) baay'ee fagaatee hin mul'ane, yoo xiqqaateef dhaloota keenya irraa, bittaa Doomitiyaan bitamuu irratti"
      b. Kan Aleeksanderiyaa Kilimenti
      c. Kan Aleeksanderiyaa Orijin
      d. Kan Qisariyaa Iyusibiyus, seenaa waldaa kiristaanaa, iii.23.1
      e. Viktorines, Apokilaptiks x.11
      f. Jeerom
   2. Iphifaniyaa, jaarraa sadaffaatti barreessaa, biyyatti, 51.12, 32, akka jedhutti Yohaannis kan barreesse Phaaximoosiif erga gad-dhiifameeti, kunnis bittaa Kilawudiyoosiin (bara haraaraa 41-54).
   3. Kan biroon kan isan tilmaaman bittaa Neerootiin (54-68) sababni isaa:
      a. Akkuma beekamu waaqeffannaan mootii sababa duubessa ari'atamatiin
      b. Qeeser Neero, Ibirootaan kan barreefamee, lakkoofsa bineensichaa irraa (666) wajjin wal qixa kan ta'e
      c. Mul'ata dursee barreefameera kan jedhan sirrii yoo ta'e, mul'atni Yohaannis diigamuu Yerusaaleem ilaalata, isa irraas kitabichii kan raajii amma ta'ee jirutti bara haraara 70 dura barreefameera jechuu dha

**FUDHATOOTA**

A. 1:4 irratti ifaa akka ta'ee fudhatoota wajjin jalqabaa waldaan kiristaanaa torbani dha, Eshiyaa kan jiran godinawwan Roomee. Waldaan kiristaanootaa kun kan isaan ilaalan bifa kanaan sarara deemsa isaan duuka bu'uun xalayichaa kan geessuu dha.
B. Ergaan mul'ataa bifa adda ta'en kan inni wajjin deemuu waldaa kiristaanaa hundumaa fi amantootaa wajjini dha, isaanis ari'atama kan fudhatan seera biyya lafaa kufeen.
C. Walitti qabama hundee safartuu kakuu haaraatiin kitaabni kun amantoota hundumaaf kan barreefamuu dha, amantoota baroota hundumaa jiraataniif.

**TIBBICHA**

A. Yoomessichi ari'atamuu dha, kutaa waldaa kiristaanaa naannoo irraa adda ba'ee gadiisa seeraa Roomee dhabuu dha, Yihudummaaf kan heyyamamee. Garaa garummaan isaa ifatti kan ba'ee bara haraaraa 70 dha, barsiisootni ibsa kakkachuu waan qopheessaniifi dha, inns iddoo waaqefannaa waldaa naannoo Yesuus nama Naazireetiin akka abaaran kan gaaffatu.

B. Galmeesitootni Roomee akka argisiisanitti walitti bu'iinsa guddaa waaqefannaa mooti mootootaa ta'ee ture, bittaa Neeroon Kirisaanootaa wajjin (bara haraaraa 54-68) gara Doomitiyaan (81-96). Ta'es, bittaa bal'aa (Impayer) ari'atama of keessatti qabate jiraachuun isaa galmeen ifaan hin jiru. Walummaa galatti mul'atni kan inni callaqisiisuu waaqefannaa mooti mootootaa waldaa kiristaanaa naannoo seera godinawwan bahaa Impayeeri Roomee jiraachuu dha (cf "kan kitaaba qulqulluu boca qorannaa irra deebi'anii ilaaluu" Caamsaa/Waxabajjii 1993 fuula 29-37).

**XIINHIMA (KAN QOOQAA)**

A. Rakkoolleen seer-lugaa baay'een barreefama Girikii irra jiru.

B. Rakkoowwan kanaaf sababawwan yaadaman
   1. Kan Yohaannis yaada Aramaawii akkinawwan.
   2. Barreessaa Phaaximos hin turee, kan barreessuuf.
   3. Gammachuu barreesichaa kan gonfachiisu ture.
   4. Sharbichi (kan Apokilaptiki) baay'ee kan fakkiduu ture.

C. Seer-lugni wal fakkaataan amala adda ta'ee kan biroo barreefama Apokilaptikii irratti argameera. Kanaaf, mul'atni akkaatee dadhabinaa seer-lugaan hin raawwatamne, garuu sharbee seer-lugaa adda ta'en.

**BEEKAMTIIN QULQULLUU KAN SAGALEE**

A. Inni duraan dursee waldaa kiristaanaa bahaa birratti fudhatama hin arganne ture, kitabi isaa Peeshitaa irratti hin argamne (jaarraa shanaffaa waraabi Sooriyaa).

B. Kan duranii jaarraa afraffaatti Iyusibiyuus, kan Aleksanderiyaa Di'onisiyuus duuka bu'ee, kan boodaa jaarraa sadaffaa, akka jedhee mul'atni ergamaa Yohaannisiin hin barreefamne. Innis "walfalmitoota isaa irraa" tarreefama kitaabootaa keessa buuseera, garuu tarreefama safartuu mataa isaa keessa buusera (seenaa ogummaa, 111. 24.18, 111. 25.4, fi 111.39.6)

C. Walitti qabama Lodoqiyaa (bara haraaraa 360 kan ta'u) tarreefama safartuu kitaabaa keessaa baaseera. Jeeroom akka safartuu kitaabaatti hin fudhanne, garuu walitti qabama Kaartagee (bara haraaraa 397) keessa buuseera. Mul'atni fudhatama kan argatee waldaa kiristaanaa Bahaa fi dhihaa giddutti kan godhamee wal danda'uudhaan, kunnis lamaanuu Ibirootni fi mul'atni safrtuu kakuu haaraan fudhatama argateera.

D. Beekamtii kennuun kan nurra jiru dursa tilmaamaa amanti amantootaa, hafuurri qulqulluun adeemsa seenaa isaa geggeesuudhaan safartuu akka gonfatu gochuu isaati.

E. Lamanuu kan jalqabaa hareefamni Piroteestaanti barumsa hafuuraa naannoo doktrinii kiristaanaa kan jiru hin fudhanne
   1. Maartiin Luuter kan raajii yookaan kan ergamootaa jedhee hin waamne, yaada afuuraan kan liqimfame fudhachuun dhiisuu isaa.
   2. John Kaalviin, tokkoon tokkoon kakuu haaraa kitaabicha irratti yaada bal'aa kan barreesse, mul'ata dhiisuun.

**HIIKA YAAD-RIMEEWWAN SEENAA**

A. Hiikuudhaaf baay'ee rakkisaa ture, kanaaf, kan anatuu beekaa ta'uu kan qabu miti!

B. Fakkeennoowwan kan dhufan irraa
   1. Kakuu moofaa irraa dubbifamawwan Apokilaaptiki
      a. Daani'eel
      b. Hizqeel
      c. Zakkaariyaas
      d. Isaayaas
   2. Og-baruu Apokilaptikii Yihuudii
   3. Jaarraa tokkooffaa Girik-Roomaan yoomessa seenaa (keessa iyyuu mul'ata 17)
   4. Kan durii baha dhihoo himtee seenaawwan uumamaa (keessa iyyuu mul'ata 12)

C. Walumaa galatti kallattiwwan hiikaa afur yookaan dursi tilmaamaa jiru

1. Duraan dursamee raawwatameera _ gosti kun kitaabicha kan teesisu durummaan yookaan kara adda ta'een waldaa kiristaanootaa jaarraa tokkoffaa wajjin akka wal qabatuu dha, Eshiyaa godina Roomeetti. Hunduu tarreefamaa fi kan raajamana jaarraa tokkooffaa raawwatamaniiru (John L. Birey, Maattihos 24 raawwatameera ilaali).
2. Abbootti seenaa__ gofti kun kitaabicha kan ilaaluu akka ilaalcha seenaatti, duraanis qaroomina dhihaatiini fi bifa tokko tokkoon waldaa kiristaanaa Katolikii Roomaa. Ergaan torban waldoota kiristaanoota boqonnaa 2 fi 3 ibsuudhaaf faayida irra kan oolan yeroo murtaa'een. Tokko tokkoo isaan kana yeroo ilaalan akka kan yeroof yeroo tokko qofa akka raawwatan ta'uu, kan biroon immoo duraa duubaan akka ta'anii dha.
3. Kan bara dhufuu __ gareen kun kitaabicha kan ilaalatuu hundumaa lamaffaa dhufuu isaatti aansee akkuma sanaan tibbawwan ta'an wal fakkeessuudhaaf (lamaffa deebi'ee dhufuu Kristoos) kanas akkuma jirutti fi akkataa seenaatiin kan raawwatame (itti fufiinsa kan qabuu qoqoduu, Kireeg A. Bilinsingii fi Daarel L. Book ilaali).
4. Kan yaadaa __ gofti kun kitaabicha kan ilaalatuu guutummaa guututti akka fakkeennoo godheeti, gaarii fi hamaa gidduu falmii godhamuu, kunis, kan seenaa kam iyyuu luqisii hin qabu (Reyi Semers, hoolichi ni ta'aaf, Wilihaam Hendiriksen, warra mo'aan kan caaluu).

Isaan kun hunduu gatii murtaa'ee qabu, ta'us garuu, ta'ii jedhe kan walin nama dha'u kan ta'e sharbee Yohaannisi fi fakki fillannoo dogogorsuu ta'uu isaa irranfateera. Rakkoon isaa wal madaalchiisuu dha, isa kamiii sirrii kan jedhuu osoo hin taane.

**KAAYYOO KITAABICHAA**

A. Kaayyoon mul'ataa kan Waaqayyoo seenaa olaantummaa fi wanti hundumtuu isaan akka walitti qabamuu waada seenuu dha. Amanamtootni amantiidhaa fi abdiin jabaatanii ni dhaabbatu, gammachuu fi rakkina gidduu, seera biyya lafaa kufee kana keessa. Xiyyaafannaan macaafichaa ari'atamuu dha (waaqeffanaan mooti mootoota godinawwan bahaatti) fi amanamumman (barsiisota sobduu fi wal danda'uu aadaa) amantootaan, jaarraa tokkooffaa fi tokkoon tokkoon jaarraatti (cf.2:10). Raajoonni wa'ee dhufaatti akka dubbatan yaadadhaa, yeroo ammaa irratti kan ta'uu yaalii haroomsaa. Mul'atni akkamitti akka raawwatamuu qofa miti, garuu akkamitti akka deemuu malee. Kitaabichaan, ibsitoota yaada bal'aa Kitaaba qulqulluu, jildi 1 mata dureen isaa, "kan kitaaba qulqulluu raawwii mul'ataa," irratti Roobberti L. Saansi akkas jedheera,

> "Kan Kitaaba qulqulluu raajootni duraan waa'ee dhufaati yeroo dhugaa fi waa'ee duraa duuba walitti fiduun ;isaan hin dirqisiisu ture. Isaaniif baroota isaanitifiis ejjonnee hafuuraa tuqaawwan fayyadan, akkasumas kan isa guddaa bara dhumaa dawwanaa Waaqayyoo, firdii cubbamootaa eebbifamuu qulqullootaa itti xiyyaafatee ture, yeroo ammaa kan jiru tokkummaa naamusaa" (fuula 104).

B. Walumaa galattii kaayyoon isaa seensa gabaabaan TEV fi NJB hiikota irratti akka gaaritti eerameera
   1. TEV fuula 1122, "mul'ata Yohaannis kan barreefameef kiristaanooni yeroo isaan ari'atamanii dha, Yesuus Kristoosiin akka Gooftaatti godhanii sababa amantii qabaniif. yaadi guddaan barreesichaaa babalina dubbistootaa fi kan jabeessuu kennuuni dha, akkasumas yeroo rakkinaa fi ari'atamuutti amanamoo ta'aan akka argaman yaadachiisuuf."
   2. NJB, fuula 1416, "Kitaabni qulqulluun ergaawwan abdii fi fakkenyummaa turee kan qabuun kitaaba kanaan walitti qabameera. Rakkina irraa mul'ata eeguu qaba, kunis sabni Waaqayyoo achi irraa, akkasumas abdi ulfina itti fufuun. Ergichi kan inni mul'atuu fakkiidhaan, kunis guutummaa kitaaba qulqulluu irraa kan madduu, kanaaf tokkoon tokkoon uumamaa, bineensootni, halluwwan, lakkoofsonni kan nama yaadachiisanii dha, akkasumas kan turanii dha, kakuu moofaa sirritti akka beekaniif. Karaa kanaanis, iciiti fi mul'ata eeruu dha, waa'ee waan dhufuu, fakkenyummaa uumamaa kunis isa guddaa gocha waaqeffannaa fi mul'ata isa dhumaa, ulfina guddaa Masihii, magaalaa qulqullooftuu ishee haaraa ifatti teesifameera. Kan akka kanaa kan baratamee (shaakalame) Yihudumaan Daani'eeli asitti ture, yeroo rakkinaatti Waaqayyoo saba jabeessuuf, ga'uumsa wabii fi fayyisuu akkasumas mo'icha kennuudhaan."

C. Hiikichi qabatama oolchuu dura kennuun olaantumma qaba.
   1. Waaqayyoo matayyummaa, kan walitti qabamee, fi fayyina karaa hundaanii Kristoosiin fideera.

2. Furuun Waaqayyoo kan hafuuraa fi kan qaamaati. Waldaan kiristaanaa fayyiteetti, fayyaa garuu miti! Guyyaa tokkoo ni taati!
3. Waaqayyoo sichi (ammas) kan kufee, isa hamaa, kan of jaallatuu eenyummaa ni jaallata. Dheekamsi Waaqayyoo, mallattichaa fi fiinoocha, furuudhaaf (cf. 9:20-21, 14:6-7,16:9, 11, 21:6b-7, 22:17).
4. Waaqayyoo mucaa namaa kufee qofa hin fayyisu, garuu immoo uumama kufe malee (Roome 8:18-25). Hamaan sadarkaa sadaarkaan ni ari'ama!

   Yeroo ammaa Waaqayyoo mucaa namaa bade wangeelaan bira ga'uuf yaaluun isaa amala araara Waaqayyoo guddisee argisiisa. Firdiin xoofichaa bu'aa diduu hamaati malee Waaqayyoon jaallachuu dhiisuu miti. Waaqayyoo hamaa irratti kan faraduu fi kan mul'isuu qalbi jijjiranaan deebi'uun irra deddeebiin hin ta'uu jechuu qofa dha. karaa baay'eedhaan firdii Waaqayyoo qajeellummaa ni mirkaneessa, kan kufee, na hin qabinaa eenyummaa jedhuun! Kitaabichi kan ga'uu afeeraa wangeelaani dha (cf. 22:17).

D. Kitaabichi akka tibbaawwan gabatee duraa duubaani, yeroowwan, fi akka haala lammaffaa dhufuu isaa godhamee dirqamatti fudhachuun irra hin jiraatu. Inni yeroo hundaa seenaa warra dhihaa kan inni hiikuu akka "iciitii" dha (waldaan kiristaanaa torban akka bara kanaatti ilaalamu). Tokkoon tokkoon dhalootaa seenaa isaa gara fakkeennoo Apokilaptikiti ni dirqamsiisa, amma ammaatti tokko tokkoon dogogorseera.

Tarrreefamaa raajiwwan kanaa baay'inaan kan inni wal qabsiisuu dhaloota isa dhumaa amantootaati, mormiitoota Kristoosiin rakkina akka fudhatan. Kan kitaabaa kanaa akkuma jirutti hiikuun warri tokko tokkoo akka calisan godheera (Kaalviin), kan biroon gadi xiqqaateera (luuteer), "ergamicha yookaan kan raajii kan hin taanee"), akkasumas kan biroon baay'ee ol qabameera (warra bar-kumeen).

**HIIKAAF FURTUU BOOB**

A. Kallatti kakuu moofaa tilmaama keessa galchuun nurra jira
   1. Sharbee Apokilaptikii kakuu moofaa baay'ee kan fakkeennoo gofa barreefamaati.
   2. Eertootni baay'een (fakkiduwwa) kakuu moofaa irra fudhatameera (tokko tokkoo akka tilmaamanitti 404 lakkoofsoota 275 eertoota dabalataa (fakkiduwwan) barreefama kakuu moofaa keessatti qabameera), hiikni fakkennoowwan kanaa jaarraa tokkoffaatti haala Roomeen irra deebiin hiikameera.
   3. Raajii kan himan haala yerichaa fudhatanii bara dhumaa haala raajii kan raajaan isaan godhaniiru. Yeroo hundaa isaan jaarraa tokkooffaa kan seenaa dhuma gara bara dhumaa ga'umsaatti argisiisa.
B. Walumaa galatti caasefamni kitaabichaa kaayyoo barreessichaa akka arginuu nu gaargaru
   1. Mallattoowwan, malakatawwan, fi xoofoowwan kan isaan mo'aman bu'uura irraa yeroo fi sa'a wal fakkaataati (Boqonnaa 6-16). Mul'atni kan duraa fi duubaa ta'iiwwani diraama dha.
   2. Boqonnaa 17-19 20-22 wajjin wal cina ta'uu danda'u. kan boqonnaa 19 kutaawwan murataa'aan (jechuun, 19:11-21) 20:7-10 irratti irra deebiin ilaalteeta.
   3. Ibsa baniinsaa irratti kan jiran murnawwan barreefamaa torban ilaali, C.
C. Akka seenaa haala barreefamichaatti hiika kitaabichaa isa kamiin irratii tilmaama keessa galuu qaba
   1. Waaqefannaan mootootaa jiraachuu
   2. Ari'atamni waldaa kiristaanaa naannoo godinaawwan bahaa
   3. Kitaabni qulqulluun waan hin taanee ta'uun hin danda'u. hiikni mul'ataa duraan dursee wallitti dhufuun kan irra jiruu guyyaa Yohaannis wajjini dha. innis tarii raawwii baay'ee fi hoji irra oolchuu qabaachuu danda'a, ta'us garuu hundee qabachuun kan irra jiru jaarraa tokkooffaa dha.
D. Tokkoon tokkoon hiikaa iciitii jechaa nu durra dhokkateera, aadaa keenya irraa, xinqooqaa fi yoomessa duraan turee irraa kan ka'e. tibbawwan sa'a raawwii mataan isaan fakkeennoo isaan kanaa hiika ta'uu qabuu irratti ifa buusuu danda'u. isaan diraamaa Apokilaptikii taarreefamni gara cinaatti akka hin jenne of eegadhaa. Hiikonni ammayyaa dhugaa isa olaanoo mul'ata kana keessaa barbaaduutu isaan irra jira.
E. Furtuu kan ta'an tokkoo qabiyyee hiikaa walitti ha qabu
   1. Argma fakkeennoo kan seenaa

a. Qabatamawwan kakuu moofaa, eertoota kakuu moofaa
b. Himtee baha dhi'oo durii
c. Kakuu og-barruu Apokilaptikii
d. Yoomessa jaarraa Girik-Rooma

2. Barreessichi karaa inni ittiin fakkeenyicha ibsu
   a. Geggeesitoota ergamaa wajjin dubbi inni qabu
   b. Faarfannaa faarfatoota ergamaa
   c. Barreessichi mataan isaa hiika isaa yeroo kaa'uu
3. Caasefama kitaabichaa (kan diraamaa wal cinummaa)

F. Gargaarsa dabalataa
1. Lamaanuu jaalatamoon yaadawwan koo mul'ata irratti Laati Joorji Ildeen Laad fi Alen F. Johansanifaa dha. isaan wali hin galan. Wali galtee dhabuu baay'ee gaarummaaf, kan baratan, beektoota tolaa gidduu waan jiraatuuf jechi of eegachiisaa ta'uu kan qabuu dha. Aleen Johnsan ha eeruu, yaada mul'ataa irratti, Zondorfaan kan maxanfame:

> "Jechoonni sammuu namaa keessatti fakkii uumanii fi itti fayyadama mul'aataa kan ibsuu ilaalcha irratti 4:1 hanga raawwata mul'ataatti fi wanti kun boqonnaa 1-3 wajjin akkamitti akka walitti dhufuu gaaffiin jiru, yaada kennitootni boqonnowwan kana akkamitti akka ilaalan bal'inaan adda baasuu isaanii nama hin ajaa'ibsiisu. Rakkoon tokkooffaan kan hiikaati.: jechoota sammuu keessatti fakkii uumuu danda'aanii fi mul'atni maal jechuu isaaniiti? Rakkoon kan biraan kan ilaalatuu duraa duuba isaati: wantootni kun yoomi dha kan ta'an? Dabalataanis, Yohaannis irra deddeebiin kan kakuu moofaa fakkiwwan, akka burqaa sirrii kakuu moofaati hiikamaniiru, yookaanis fakkiwwan kun bilisa ta'aniiti kan hiikan? Kan fakkii maalii dhaa fi jijjirama tokko malee jechaa jechaatti kan hiikamee maalii dhaa? Gaaffiiwwan kun deebiin isaanii hiika xinhimaa ni murteessa. Gaaffiiwwan kana keessaa muraasa deebii anatuu beekaa argachuu yoo dandeessanis, kan keessaa bahan xinhimawwan ogummaadhaan qabachuu barbaachiisa, hafuurri sirrii kan ta'ee maree fayyadamuu danda'a gara hiika Apokilaptikii ga'uudhaaf akka nu geggeessu" (fuula 69).

2. Mul'atni kakuu moofaa wajjin waitti dhufeenyi inni qabu akka wali galaatti seensa, kan Joon P. Milten raajii inni hiikee fi kan Johan Birayiti kan kakuu moofaa abbaa taayitaan filadhaa. Ibsa gaariidhaaf, mul'atni fi Phaawulos akkamitti akka wal arguu, kan Jamsi S. Situwarti nama Kiristoosiinin filadhaa.

**MARSAA DUBBIFAMAA TOKKOO (fuula v. ilaali)**

Kun kan qayyabannaa <u>qajeelfam</u>a hiikaa yoo ta'uu, sana jechuun garuu kitaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi'utu nurra jira. Hiiktootni duraani ati, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. deebii kee kanas hiikicha irratti jecha kan biraan akka hin fudhanne.

Kan kitaaba qulqulluu kitaaba of irra gadi taa'uu tokkon dubbissi. Kan guutuummaa kitaabichaa ergaa giddu galeessaa qooqa mataa keetiin kaa'i.

1. Ergaa guutummaa kitaabichaa

2. Og-baruu isaa (sharbee) gosa isaa

**MARSAA DUBBIFAMAA LAMAA (fuula V. ilaali)**

Kun kan qayyabannaa qajeelfama hiikaa yoo ta'uu, sana jechuun garuu kitaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi'utu nurra jira. Hiiktootni duraani ati, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. deebii kee kanas hiikicha irratti jecha kan biraan akka hin fudhanne. Kitaba qulqulluu yeroo lamaffaaf of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaada ijoo olaanoo adda baasii keeyata tokkoon yaada ijoo isaa ibsi.

1. Kan jalqabaa ramaddii barreefamaa yaada ijoo
2. Kan lamaffaa ramaddii barreefamaa yaada ijoo
3. Kan sadaffaa ramaddii barreefamaa yaada ijoo
4. K.K.f..

# MUL’ATA 1:1-20
# HIIKOOTA HAARAADHAAF RAMADDIWWAN KEEYATAA*

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| seensaa fi nagaa | **eebba** | **seensa** | **seensa** | **seensa isa duraa** |
| 1:1-3 | 1:1-3 | 1:1-2 | 1:1-3 | 1:1-3 |
| | Nagaa waldoota kirstaana | 1:3 | | |
| 1:4-5a | | Nagaa seensaa | Nagaa waldoota torbaniif | Nagaa dhi’eessu |
| 1:5b-7 | 1:4-8 | 1:4-5a | | 1:4-8 |
| | | 1:5b-7 | 1:4-5a | |
| | | | 1:5b-6 | |
| 5:8 | | 5:8 | 5:7 | |
| Mul’ata Kristoos | Mul’ta mucaa namaa 1:9-20 | | 5:8 | an jalqabaa mul’ata |
| 1:9-11 | | Mul’ata qophaa’inaa | Mul’ata Kristoos | 1:9-16 |
| 1:12-16 | | 1:9-11 | | |
| 1:17-20 | | 1:12-16 | 1:9-11 | 1:17-20 |
| | | 1:17-20 | 1:12-20 | |

MARSAA DUBBIFAMAA SADII (fuula V ilaali kutaa seensaa)

**Yaada barreessaa jalqabaa gulantaa keeyatichaan duuka bu’uu**

Kun kan qayyabannaa qajeelfama hiikaa yoo ta’uu, sana jechuun garuu kitaba qulqulluu dhuunfaatti kan ati hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi’utu nurra jira. Hiiktootni duraani ati, kitaaba qulqulluu fi afuura qulqulluu dha. deebii kee kanas hiikicha irratti jecha kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha yeroo tokko dubbissi. Yaada ijoo isaa irratti (ramaddi dubbifamaa lakk. 3 fuula vii). Kan kee ramaddii yaada ijoo olitti kan tarreefaman shan hiikawwan wajjin wal bira qabi. Mul’ata guutummaa isaa keeyaticha irratti argamuu yoo baatees yaada barreessaa jalqabaa kan ta’ee kan hiikaa wanti guddaan irratti argama. Tokkoon tokkoon keeyaata tokkoo fi tokko qofa yaada-ijoo qabateera.

1. Keeyata tokkooffaa
2. Keeyaata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.F…

---

*Yaada hafuuraan kan liqimfaman yoo ta’uudhaa baatanis, ramadiin keeyataa kan itti fufanii jiran yaada barreessaa jalqabaa hubachuudhaaf furtuu dha. tokkoon tokkoon hiikni ammayyaa keeyaticha ramadanii guduunfaa isaa akka dhi’eessu godhameera. Tokkoon tokkoon keeyata matta duree giddu galessaa tokkoo, dhugaa yookaan yaada qaba. Tokkoon tokkoon waraabbii mata duree sanakara adda ta’een gabaabse kaa’eera. Barreefamicha yeroo dubbiftuu, hiika kam dhimma mata duree irrattis ta’ee ramaddii lakkoofsaan hubannoo kee wajjin akka wali galuu of gaaffadhu.

Tokkoon tokkoon boqonnaa duraan dursitee kitaaba qulqulluu dubbisuutu sirra jiraata, akkasumas dhimmoota mata-duree adda baasuun (keeyatoota). Isa booda hubannaa kee hiiktoota haaraa wajjin wal madaalchisuutu sirra jira. Kitaaba qulqulluu hubachuu kan nu dandeenyu yaada barreessaa jalqabaa maal akka ta’e loojiki isaa fi dhi’eessii isa yoo hubannu dha. barreessaa jalqabaa qofa dha yaada hafuura keessa ta'uun dubbistootni ergicha jijjiruufis ta’ee fooyyesuf mirga hin qaban. Dubbiftootni kitaaba qulqulluu dhugaa yaada hafuuraan liqimfamuu guyyaa guyyaati fi jireenya isaanii hunda irratti gochi irra oolchuuf itti gaafatamummaa qabu.

**Yaadannoo: jecha ogumaa hundaa fi jecha salphaatti namaaf galuu maxantuu guutuudhaan tokko, lama, fi sadii irratti ibsameera.**

**QABIYYEE BARREEFAMAA AKKA HAALA BARREEFAMICHAATI 1:1-3- 3:22**

A. Lakkoofsa 1-8 raajii duraa fi hanga guutuutti. Kan jalqabaa lakkoofsonni sadan barresicha, yericha, sharbicha, fi eebbicha ni beeksisa.
   1. Barreessichi Yohaannisidha (maqaa Yihudii baratame)
   2. Yerichi dhi'oo dha (1b:3c).
   3. Ergichi karaa mul'ataa fi ergamaa biraan kan godhamee wali galtee dha, akkasumas raajii jedhama (lakk. 3). Kan jalqabaa boqonnowwan sadan baay'ee wal fakkaatoo dha, jaarraa tokkooffaatti kan baratamee tooftaa akkaataa barreefama xalayaati.
   4. Eebbichi barreefamicha kan dhageefatanii fi kan aboomamaniif, kan amanamummaa fi qajeelummaa, rakkina gidduutti.

B. Lakkoofsoota itti fufan afran (4-7) fudhatoota argisiisa, akka waldaa kiristaanoota torban (1-11) fi kan isanii hafuurota hamoota (1:4, 20, 3:1, 4:5, 5:6). Kutaa kana kan ilaalate
   1. Amala Yaahiwwee isaa kan ta'e (lakk.4 )
   2. Amala Yesuus kan ta'ee (lakk. 5. 6b, 7)
   3. Amala amantootaa ta'uu kan qabu (lakk. 6a)
   4. Yaahiwween yeroo dubbatu (lakk. 8)

C. Lakkoofsa 1:9-3:22 kan Yesuus jechoota isa dhumaati, waldaa kiristaanaaf (kiristaanootaaf). 1:9-20 fi tokkoon tokkoon waldaa kiristaanaaf, ergaawwan torbaniif jalqaba irratti, Yesuus amalli isaa kan ibsamee kakuu moofaa waamama Yaahiwweetiin.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MUL'ATA : 1:1-3

**1Kun mul'ata Yesus Kristos, isa inni ittiin wanta dafeee ta'uun irra jiru hojjetoota isaatti argiisuuf Waaqayyo biraa argatee, inni ergama isaa Yohannisitti beeksise. 2 Yohannis wanta Waaqayyo dubbate, Yesus Kristos isaaf dhugaa ba'uu isaa, hamma dhaga'ee fi hamma arge dhugaa ba'erra.* 3 Barri kun itti raawwatamu waan dhi'aateef, namni isa inni dhugaa ba'e kana dhagessisee dubbisu, warri dubbii raajii dubbatame kana dhaga'anii, wanta isa keessatti caafames eegan attam ha gammadan*!**

**1:1 "Mul'ata"** jechi Girikii kun apocalypsis kitaaba isaa keessatti as keessatti qofatti argama. Innis kan argame jecha Girikii lama irraa yoo ta'u "bakka dhokkate" yookaan "mul'ina yookaan waan tokko mul'isu" jechuu dha. innis karaa baay'een faayidaa irra ooleera (BAGD p.92).

1. Dhugaa mul'isuu ___ Luq.2:32, Rom.16:25, 1Qor 14:6, 26, Gal. 1:12, Efe. 1:17
2. Iciiti mul'ate ___ Efe. 2:11-3:13
3. Ibsi mul'atan/abjuun ___ 2Qor. 12:1, 7, Gal. 2:2
4. Bara dhumaa wajjin kan wal qabatan dhoksawwan ___ Luq. 17:30, 1Qor. 1:7, 2Tas. 1:7, 1Phex 1:7, 13, 4:13, 5:1

Kitaaba kana irratti kan inni jedhu Waaqayyoo irraa dhugaan ta'e karaa Yesus Kristos mul'ataa fi ergaan hiikameera. Kan inni xiyyaafatuus hameenyaan jiraachuu fi kan inni dhufuu mo'icha tolaa, kunnis Waaqayyoon sammuun ol kan ta'e gidduu seenuuni dha. Waaqayyo wantoota bifa qabachiisa!

▣ **"Kan Yesuus Kristoos"** kun tokkoo kan eenyu akka ta'e, ergichi waa'ee Yesuus ta'uu isaa kan argisiisu (Gala. 1:12), yookaan abbaa manummaan kan wal qabatee, Yesus Kristoosiin ergaa kenname wajjin kan wal qabatuu dha.

▣ **"Yesus"** jechi Ibirootaa kun hiiki isaa "Yaahiwween ni fayyisa" "Yaahiwween fayyina" "Yaahiwween fayyina fida" jechuu dha.inni maqaa kakuu moofaa "Iyyaassuu" wajjin tokkoo dha. "Yesus" kan inni dhufee jecha Ibirootaa fayyuu "hosea," maqaa kakuu Waaqayyoo wajjin wal qabatee, "Yaahiwwee" (mata duree addaa: maqawwan Waaqummaa Qol 1:3 ilaali). Innis Waaqayyoo irraa kan mogaafamee dha, karaa ergamaa gooftaatiin (Mat. 1:210.

▣ **“Kristoos”** kun kan Girikiin wal qixa kan ta’e jecha Giriki “messiah,”dha, hiiki isaas “kan dibame.” Kan inni argisiisus “tokkoo hojii adda ta’e Waaqayyoon kan waamamee fi kan gahee dha.” kakuu moofaatti abbaan ramaddii sadii geggeesitootni: Luboota, mootota, fi raajota ni dibuu turan. Yesuus isaan sadan kana hundumaa muudama dibataa guutaniiru (Ibi. 1:2-3).

## MATA DUREE ADDAA: MASIIHII

Inni kun yaadannoo gamaaggamaa koo Dan. 9:6 irraa fudhatme. Jecha kana hiikuu irratti ulfinni kan jiraate sababa hiikonni ta’un danda’an jecha Masihii ykn kan muudame tokko wajjin walitti gamtaa’aniitin (BDB 603).

1. Mootota Yihudootaatiif fayyade (fakkeenya, 1Sam. 2:10; 12:3)
2. Luboota Yihudootaatiif fayyade (Fak. Lew. 4:3,5)
3. Cyrusiif fayyade (cf. Isa. 45:1)
4. #1 fi # Faarsaa 110 fi Zakaariyaas 4 keessatti walitti makamanii jiru.
5. Dhufaatii Waaqayyoo addaatiif fayyade Mootummaa Daawitii bara haaraa tolummaa keessatti fidhuudhaaf
    a. lenca Yihudaa (cf. Uma. 49:10)
    b. mana Jesse (cf. 2Sam. 7)
    c. bittaa guutummaa Waaqaa lafaa (cf. Faarsaa 2, Isa. 9:6; 11:1-5; Mik. 5:14ff)

Ani dhuunfaa kootti “nama muudame tokko” Yesuus Nama Naazireetiif adda baasamuu isaatti gammadeera, sababa

1. seensa Mootummaa Waaqayyoo inni bara baraa boqonnaa 2 yeroo mootummaa afratiin
2. seensa “ilma namaa” u:13 keessatti mootummaa bara baraa argate.
3. Himoota fayyinaa 9:24 isa bu’aa ba’ii dhala namaa kufe isa dhumaa argisiisu,
4. Itti fayyadamuu Yesuus Macaafa Daani’el Kakuu Haaraa keessatti (cf. mat. 24:15; Mar. 13:14).

▣ **“Waaqayyo kan inni kenne”** Yesus abbaa irraa osoo itti hin mul’atin yookaan osoo hin hiyamsiisin hin barsiifne yookaan homaa hin goone (Yohannis 3:11-13, 31-36, 4:34, 5:19-23:30, 6:38, 7:16, 8:26, 28-29, 40, 12:49-50, 14:10, 24, 15:15). Akka barumsa hafuuraatti kun akkaatee barreefama Yohannis.

▣ **“Dafee akka ta’uuf ta’uun kan irra jiru garboota isatti akka argisiisuuf**” bantuun kun keeyata 22:6-21 irratti akkamitti akka callaqisifame hubadhaa. Kun kan jaarraa tokkooffaa tooftaa barreefamaati.

▣

**NASB, NKJV** **“wantoota dafani ta’an”**
**NRSV** **“Dafee wanta ta’u”**
**TEV** **“Dafee kan ta’u”**
**NJB** **“ammuma dafee kan ta’u”**

Dhimmi yeroo baay’ee barbaachiisa dha, guutummaa kitaabichaa hiikuudhaaf, sababni isaa inni adda baasee akka teesise ergaan Yohannis isaaf guyyaa fi jedhes kan dhufe faayidaa waan qabuuf. “Dirqamatti” jechi jedhuu (dei) hiikni isaa “hojjisiisaa kan ta’ee, akka safuutti barbaachiisaa kan ta’e, kan ta’uu qabu, yookaan fillatamaa kan ta’ee” jechuu dha (Mul. 22:6).

## MATA DUREE ADDAA: DAFANII DEEBI’UU

“Dafee akka ta’uuf” kan jedhu yaad-rimeen Mul. 1:3, 2:16, 3:11, 22:7, 10, 12:20 wal dorgomsiisi. Kun tarii kakuu moofaa kan eeruu ta’uu danda’a Daani’el 2:28, 29 fi 45. Yohaannis kakuu moofaa raawwatee hin eere garuu eerama baay’ee godheera. Lakkoofsota404 irraa, 275 kan ta’aan duubessa kakuu moofaa qabu. Hiiktootni gaalee kanatti hiika irratti wal qoqodaniiru, kitaaba mul’ataa irratti kan isaan qaban dursi tilmaamaa barumsa hafuuraa sababni isaa:

1. Akka tasaa
2. Al tokko yoo jalqabamee ariitidhaan ta’a
3. Yeroo dhi’ootti jalqaba

4. Sirritti ni ta'a
5. Akkuma sanaan

Fayyadamni jecha kanaa Mul'ata 22:7, 12, 20 irratti akka argisiisu Yohannis yeroo jireenya isaatti dafanii akka ga'an eegee ture (lakk. 3, 10:6 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali). Kitaabni kun yeroo barreefamee fi bara keenya gidduu garaagarummaan waggaa 2000 jiraachuun isaa, baay'een Yohaannis dogogoree ture jedhaniiru. Ta'us, akkuma sanaan daangaa yeroo (fireemi) fayyadamuun og-barruu kan raajamee ittiin bulmaata fakkaata, kunnis kakuu moofaa irraa, raawwata tibbawwan ammaa sa'a inni itti raawwatamuu tibbawwan kan cimsu. Yohaannis jaarraa tokkooffaa Roomitti fayyadameera dhuma isaa argisiisuuf (guyyaawwan dhumaa) Isaayasi fi Hizqeel deebi'uu akki isaan itti fayyadaman (dursa- bittaa) Yihudaa, akkasumas Daani'eel Antikees Ipifanees IV akka itti fayyadame. Isa haaraa dhufaatti bara tolaa tokkoon tokkoon dhaloota kiristaanaaf abdii fi kan jajjabeessu dha. yaadannoo guutuu 22:6 irratti ilaali.

Dabalataanis D. Birenti Sandi, fiixee maarashaa fi murtuu haamtuu fuula 101-102 ilaali, kan raajii fakkennoo jecha kan ulfaatee fi kan hin eegamne waan ta'eef, fuula 173-175

▣ **"Kan mul'ate inni"** kun akkuma jirutti "kan beekamee" dha (semaino) (NKJV). "Mallattowwan" tokkooffaan caasefama barreefamaati, Yohaannis ergaa isaa wangeela isaa keessatti dabarsuudhaaf kan inni fayyadame (semein, cf. 12:33, 18:32, 21:19). Kun kakuu moofaatti walitti dhufeenya qabaachuu danda'a, raajoota kakuu moofaa wajjin (Isa. 7:11, 14, 8:18, 19:20, 20:3, 37:30, 38:7, 22, 55:13, 66:19, Erm. 10:2, 32:20-21, 44:29 fi Hizqeel 4:3, 14:8, 20:12, 20). Kitaabni kun "mul'ata" jedhamee dhugaa itti waamame, "mallattowan" fi "raajii" kitaaba kanaaf sharbee barreefamaaf ka'umsa nuuf laata. Jecha barreefamaa kan ammayyaa "Apokaliptiki" sharbe ibsuudhaaf faayida irra kan oole Yohaannisiin hin beekamu ture.

▣ **"Garbicha isaaf"** kutaa seensa lakkoofsa gaalee kanaan kan kitaabichaa barreessaa kan ergamaa ni eera. Kitaabicha keessatti bakkowwan kan biroon lakoofsa baay'een faayidaa irra kan oole raajoota Waaqayyoof/ergamtoota/lallabdoota dha (cf. 10:7, 11:18, 22:6).

Ta'us, bakkoota kan birootti waamama kitaabichaan faayida irra kan oolee amantoota hundumaaf(cf. 7:3, 19:2, 5, 22:3), tokkummaan isaa amantootni hundumtuu ragaa ta'uun isaani (Mat.28:18-20, Qol. 4:6, 2Xim. 2:24-25, 1Phex. 3:15). Yesuus kan nu duuka buunuu moodela keenya (cf. 1:5, 3:14, Yohaannis 20:21)! Baay'een wal'aansoo wal qabu, Yesuus akka ta'e (cf. 6:9, 12:17, 17:6, 18:24, 20:4). Qabatmni kitaabichaa hanga du'aatti amanamuu akka ta'ee yaadadhaa! Ani (Yesuus) mo'eera!

▣ **"Yohannis"** kan biroo barreesitoota Apokilaptikii haala addatiin, Yohannis of mul'iseera, akkasumas bantuu dhuga baatii raajii caaseefamuun gosoota ergaa torbaniin (boqonnaa 1-3). Tokko tokkoo barreessa kitabaa mul'ataa Yohannis akka ta'e hin fudhatan, sababni isaa barreefamoota kan biroo wajjin waan wal faalleessuuf (inni mataa isaa "duuka buutuu jaallatamaa" wangeelaa, fi "jaarsicha" Yohannis 2 fi 3, jedhee waan waameef), garuu mul'ata irratti of waameera, mul'ata 1:4, 22:8.

**1:2 "Waa'ee Yesus Kristoosif dhuga ba'umsa"** akka lakk.1 kun kan biraa yaadamu qabu ta'uu danda'a, waa'ee dhuga baatii Yesus, yookaan abba isaa kan argisiisu, dhuga baatiin kan kennameef Yesusiin. Yeroo tokko tokkoo barreefama Yohannis keessatti ta'I jedhame kan godhamee waliin kan nama dha'u jira,innis hiiki lamaan isaa kan wal malku.

**1:3 "Kan eebbifame"** kun kan eebbawwan jalqabaa torbaniiti, kitaaba kanaan (cf. 1:3, 14:13, 16:1, 19:9, 20:6, 22:7, 14). Kan isaan dubbifan akka eebbidsan dhugaa jedhu kan argisiisuu amala yaada hafuuraan liqimfamuu qofa miti, garuu immoo bara sanaa fi kan bara hundumaa faayyida inni qabu immoo male.

▣ **"Kan dubbisu"** NRSV "iyyee" kan jedhuu itti dabala, dubbisa waltajii irraa yeroo ilaalu (1Xim. 4:13). Gamtaa amantoota fuulduratti dubbifamni qulqulluu sagalee isaa durumaan godhamaa kan turee bifa adda ta'een waldaa kiristaanaa leenji'aanii miseensa ture, akka iddoo aarsaaati (dura bu'aa iddoo aarsaa). Waldaan kiristaanaa kan duraanii seeraa waaqeffannaa iddoo aarsaa duuka buuteeti (Luqaas 4:16, HoE.13:15, Qol. 4:16, 1Tes. 5:27). Dubbisa qulqulluu sagalee isaa waltajii irratti kan ilaalate kan seenaa mirkaneefannaa qabna, Jestiin Maartiyir, bara haraaraa 167, innis akka eeretti waldaan kiristaanaa wallakeessi wangeela irraa akkasumas walakkaa isaa immoo raajoota irraa dubbisaa ture.

▣**”Kan dhaga’uu … fi kan eeguu”** kun dhageefachuu fi gochuu (lamaanuu keeyata gocha yeroo ammaa ) jecha Ibirootaa “shema” hiika qabu (Kes 5:1, 6:4, 6, 9:1, 20:3, 27:9-10, Luq 11:28). Haalawwan uumamaa eebbichaa hubadhu. Kan dhaga’aan dirqamatti deebii kennutu irra jiraata. Kun “akka….achi irraa” guutummaa garee kan lamaanii kan kakuu moofaa fi kakuu haaraati. Eebbichi kan inni aboomuu beekuu wajjin qofa miti, akkaatee jireenya wajjin malee.

▣ **“Raajii kana”** jechi kun kan inni argisiisu kan kitaaba kanaa qabiyyee waan hafuuraa fi sharbee barreeffamaati. kitaabni kun walmakaa ergaati (boqonnaa 1-3), akka dhi’eessi Apokilaptikiiti (mallattowwan, fiinoowwan, xoofoowwan), fi raajii (cf. 22:7, 10, 18, 19). “Raajii” hiika lama akka qaban yaadachuun faayida qabeessa: (1) dhageefatoota yeroof ergaa Waaqayyoo biraan ga’uu fi (2) amantii yeroo tibbawwan dhufan irratti dhiibbaa akka qabu. Inni lamaanuuti, labsidhaa fi kan raajamee. Seensa barreefamichaa ilaali.

▣ **“Barichi dhi’aateera”** kun irra deebiin kan inni argisiisu faayida qabaachuu raajiiti, yeroo mataa ofi isaatti (cf. 22:10, fakkeenyi kan biraan Rom. 16:20 irra jira). Mata duree addaa: yeroo dhi’ootti deebi’uu lakk. 1 irratti ilaali.

## MUL'ATA: 1:4-7

**4 Ani Yohannis, waldoota kristaanaa torban kutaa biyya Asiyaa keessa jirtaniif kana caaftuu koo ti. “Ayyaanni, nagaanis Waaqayyo isa jiru, isa ture, isa dhufuuf jiru biraa, hafuurota torban teessoo isaa dura jiran dura jiranbiraa*. 5 Yesus Kristos biraas isiniif haa ta’u!” jedhee nagaa koo isiniif nan dhi’eessa. Yesus Kristos dhuga-baatuu amanamaa dha, inni warra du’an keessaa angafa ta’ee kaafame, mootota lafa kanaaf in abbooma. Inni nu jaallatee, dhiiga isaa isa nuufdhangala’een cubbuu keenya irraa nu fure*. 6 Isa mootoof luboota akka taanu nu godhate sanaaf, ulfinni fi aangoon baraa hamma bara baraatti haa ta’u! Ameen*. 7 Kunoo, inni duumessaa wajjin dhufuuf jira; iji hundinuu isa ilaaluuf jiru, warri isa waraananis immoo isa arguuf jiru; gosi nama lafa irraa hundunuu isaaf in wawwaatu; eyyee akkasuma ni ta’a*.**

**1:4 “Waldoota kiristaanoota torbaniif”** sirrittii waldaalee kiristaana torba qofa eeruun isaanii ifaa miti. Yaad-rimeen baaay’een jiru:

1. Tokko tokkoo kan cimsan, kan Yohaannis tajaajila adda ta’ee walitti .dhufeenya kan qabaachaa turee waldootaa kiristaanaa kanaa wajjin jedhu
2. Kan biroon kan isaan cimsan isaan sarara ergaa xalayaa godinaa Eshiyaa Roomeetti diriirsani turan jedhu
3. Lakkoofsa torba Yihudii biratti faayidaa olaanaa qaba, keessaa iyyuu og baruu macaafa

qulqulluunnis lakkoofsa guutuudha, Uumama 1 irra kan jiru fayyadama yeroo irraan kan ka’e. kanaaf, inni tarii lamanuu faayidaa irra oolee ta’aa, bifa akkuma jiruttiin___ Yohaannis waldoota kiristaanaa baay’eedhaaf barreessera ta’a, xiqqaan Eshiyaa sarara xalayaa Roomee hundee irraa___ fi fakkeenymmaan baroota hundumaatti kan jiran waldaa kiristaanaa hundumaaf eeruuf karaa ta’a.

## Mata duree addaa: Lakkoobsota fakkeenyaa caaffata Qolqqullaa’oo keessatti

A. Lakkoobsotni tokko tokko akka fakkeenyaa fi lakkoobsaatti fayyadu :
   1. Tokko (1) — Waaqayyo (Fakkeenya; Kes. 6:4; Efe. 4:4-6)
   2. Ja’a (6) — Guutuu fi hirruu ta’uu namaa (Torba irraa yeroo tokko hirratu; fakkeenya; Ibro. 13:18)
   3. Torba (7) — Mudaa kan hin qabne ta’uu Waaqayyoo (guyyoota uumamaa turban). Fayyadama fakkeenyotaIbr irra jiruu ilaali.
      a. Baattuu ibsaa torban; 1:12;20; 2:1
      b. Urjoota torban; 1:16;20; 2:1
      c. Waldoota torban; 1:20
      d. Ergamoota Waaqayyoo torban; 3:1; 4:5; 5:6
      e. Ibsoota torban; 4:5
      f. Mallattoowwan torban; 5:1;5
      g. Gaanfota torbaa fi ija torba; 5:6

h. ergamoota torban; 8:2;6; 15:1;6;7;8; 16:1; 17:1
i. Malakata torban; 8:2;6
j. Qaqawwee torban; 10:3;4
k. Kuma torba; 11:13
l. Mataawwan torba; 13:1; 17:3;7;9
m. Dha'icha torba; 15:1;6;8; 21:9
n. Waciitiiwwan torban; 15:7
o. Moototа torban; 17:10
p. Waaciitii torban; 21:9

4. Kudhan — guutuu ta'uu
   a. Wangeela keessatti itti fayyadama isaanii:
      (1) Maat. 20:24; 25:1;28
      (2) Maar. 10:41
      (3) Luq. 14:31; 15:8; 17:12;17; 19:13;16;17;24; 25
   b. Ibr keessatti itti fayyadama isaanii:
      (1) 2:10; Qorumsa guyyaa kudhanii
      (2) 12:3; 17:3;7;12;16; gaanfota torba
      (3) 13:1; Gonfoowwan torban
   c. Baayyataa kudhanii (multiples of ten) Ibr keessatti:

      (1) 144, 000+12×12×1, 000; 7:4; 14:1;3
      (2) 1, 000= 10×10×10; 20:2;3;6
5. Kudha lama— Dhaabbata namaa
   a. Ilmaan Yaaqoon kudha-lamaan (jechuunis; gosoota Israa'el kudha-lamaan; Uuma. 35:22; 49:28)
   b. Utubaawwan kudha-lamaan; Ba'u. 24:4
   c. Dhagoota kudha-lamaan; morma angafa lubaatti kan rarraafamu; Ba'u. 28:21; 39:14
   d. Buddeena ilaalchaa kudha-lamaan; barcuma iddoo qulqullqq'aa irra kan kaa'aman (gosootni kudha-lamaan soortuu ta'uu isaanii fakkeenyaan kan ibsu); Leww. 24:5; Ba'u. 25:30
   e. Warreen gaadduu kudha-lamaan; Kes. 1:23; Iya. 3:22; 4:2;3;4;8;9;20
   f. Ergamoota kudha-lamaan; Maat. 10:1
   g. Ibr irratti itti fayyadama isaa:
      (1) Kuma kudha-lamaan warreen mallatteeffaman; 7:5-8
      (2) Urjoota kudha-lamaan; 12:1
      (3) Balbaloota kudha-lamaan; ergamoota kudha-lamaan; gosoota kudha-lamaan; 21:12
      (4) Dhagaawwan bu'uuraa kudha-lamaan; maqaa ergamoota kudha-lamaanii; 21:14
      (5) Bal'naa fi dheerina Yeruusaalem ishee haaraa; 21:16
      (6) Balbaloota kudha-lamaan dhagoota kudha-lamaan irraa kan hojjetaman; 21:12
      (7) Kudha-lamaan ija muka jireenya kennu; 22:2
6. Afurtama (40) —Lakkoobsa yeroo:
   a. Yeroo tokko tokko kallattiidhaan (Ba'uu fi joormaa lafa onaa; Fakkeenyaaf Ba'u. 16:35); Kes. 2:7; 8:2
   b. Kallattiidhaan yookaan fakkeenya ta'uu ni danda'a
      (1) Bishaan badiisaa; Uuma. 7:4;17; 8:6
      (2) Musee gaara Siinaa irratti; Ba'u. 24:18; 34:28; Kes. 9:9;11;18;25
      (3) Qoodama jireenya Musee:
         (a) Waggaa afurtama Gibxitii
         (b) Waggaa afurtama lafa onaatti
         (c) Waggaa afurtama Israa'eliin geggeessuutti
      (4) Yesuus guyyaa afurtama tsoome (laguudhaan ture); Maat. 4:2; Maar. 1:13; Luq. 4:2
   c. (Akka Ibratti) akkaataa heddummina yeroo lakkoobsi kun itti mul'atuuttu Macaafni qulqulluun addaan baasuu isaa hubadhu!
7. Tobaatama — Sabaaf lakkoobsa waliigalaa:

a. Israa'el; Ba'u. 1:5
b. Maanguddoota torbaatama; Ba'u. 24:1;9
c. Yeroo raawwii; Dani. 9:2;24
d. Garee ergamtootaa; Luq. 10:1;17
e. Dhiifama (70×7); Maat. 18:22

B. Luqqisii irra wayyan
1. John J. Davis, *Biblical Numerology*
2. 2. D. Brent Sandy, *Plowshares and Pruning Hooks*

## MATA DUREE ADDAA: WALDAA (EKKLESSIA)

Kunis jecha Giriik *"ekklesia"* kan jedhudha. Innis jechoota lama kanneen "kanarra kan caalu" (out of) fi

jedhamu "called" irraa dhufe. Kanaafuu, jechi kun kan inni madaalu "Gama Waaqaummaatiin waan tokkoo ala" kan jedhudha. (The divinely called out-ones) waldooleen durii jecha kana fayyadama addummaa amantii (Sevular user) irra kan fudhattee (cf. HoE 19:32,39,41) fi sababa beektonni torbaatamii (septuagint's) jecha kana "walitti qabamuu" (congregation) Israayelootaaf ittii fayyadamaniifidha (cf. lakk 16:3; 20:40). Isaanumtuu walitti fufinsaan akka saba Waaqayyoo bara Kakuu Moofaa keessatti ittii fayyadamaniiru. Isaan Israa'eeloota Haaraa turani (cf. Rom 2:28-29). Gal 6:16; 1Phex 2:5; Mul 1:6). Ergaa Waaqayyo Addunyaa guutuuf qabu mirkaneessuudhaf (cf. Uma. 3:15; 12:3; Ba'u 19:5-6), jechichi walgeelootaaf Hojii Ergamootaa keessatti haala baay'eedhaan itti dhimma bahameera.

1. walgahii magaalaa, HoE. 19:32,39,41
2. ummata Waaqayyoo waliigalaa karaa Kiristoosiin, Mat. 16:18 fi Efesoon
3. waldaa amantootaa qe'ee karaa Kiristoosiin Mat. 18:17; HoE 5:11 (waraabbii kana keessatti waldaa Yeruusaalem)
4. ummata Israa'el waliigalatti HoE. 7:38 Lallaba Isxifaanoos keessatti
5. E. saba Waaqayyo naannootti HoE. 8:3 (Yihudaa ykn Filisxeema)

▣ **"Eshiyaatti"** kun kan inni argisiisuu daangaa lixaatiin kan ta'ee kan ammayyaa biyya Turkiiti, innis ,bakka bal'aa kan durii biyya Perjiyaa, "Eshiyaa xiqqoo" godina Roomee kan ture.

▣ **"Ayyaani fi nagaan isiniif ha ta'u"** kun kan baratamee gosa nagaa ture, kunnis yeroo hundumaa barreefama Phaawuloos irratti kan argamu. Baay'een akka cimsa itti laaatanitti kirstaanootni kan baratamee nagaa Girikii jijjiraniiru, "charein" (Yaaqoob 1:1) gara nagaa wal fakkaataa kiristaanaa charis, hiikini isaas "ayyaana" kan ta'e. "Nagaa" jecha Ibirootaa "shalom, argisiisa, akkasumas kan Giriikii f. tai kaIbirootaa nagaawwaan walin makuun firoota lamaanuu waldaa kiristaanootaatti walitti fiduufi dha. Ta'us, kun tilmaama Hindiiti.

▣ **"Kan jiru kan turee kan dhufuuf jiru"** kun ifatti kan hin jijjiramne waamama kakuu Waaqayyoo (Faru 102:7, Milki. 3:6, Yaaqoob 1:17). Bifa seer-lugaan Girikitti rakkisaa ta'us dubeessa Aram kan callaqisisuu ta'a. gaaleen barreeffamaa "kan jiruu, kan turee, fi kan dhufuuf" dha (cf. 4:8). Galeen kun kan kakuu moofaa maqaa kakuu ni eera "kan jiruu fi kan jiraatu" (Yaahiwwee, keessa deebi 3:14, mata duree addaa:maqaa fiinoowwani 1:8 irratti ilaali). Gaaleen kun Waaqayyo abbaadhaaf faayida irra ooleera lakk. 4 fi 8 irratti, akkasumas Yesuus Kristoosiif lakk. 17 fi 18 irratti (Ibi.13:8). Ta'I jedhamee kan godhamee Yaahiwwee irraa gara maqaa Yesuusitti naanna'uun isaa, barreesitootni kakuu haaraa kan isaan itti fayyadaman karaa isa tokkoffaa dha haruura ta'uu Yesuus kan cimsa itti laatu.

Kun kan gaalee sadaffaa dha, Waaqayyo kan darbee, kan ammaa, fi kan gara fuulduraa ta'uu 11:17 fi 16:5 irratti kaa'ameera, dhuma fiinoo irratti kan ta'uu deebi'ee dhufuu lamaffaa, kan ammaa fi kan darbee dhugaa argisiisuuf, kan fuulduraa (sa'a dhumaa) dhi'aachuu.

▣ **"Teessoo isaa duratti kan jiran hafuroota hamaa torban"** jala kan jiru mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Hafuuroota Torban

Isaan hafuurota torbaan kun ibsuudhaaf yaad-rimeen baay'een jiru.

1. Gaaleen kun kan inni dhufee Waaqayyo abbaa fi Yesusiin akka Masihiitti eeruun gidduu ta'uun, yaada kennitootni baay'een kan isaan cimsa itti laatan sirritti kan eerame hafuura qulqulluudhaaf. Kun ni danda'ama, amansiisaa garuu miti, gaaleen maqaa kun immoo 3:1, 4:5 fi 5:6 faayida irra ooleeera. Isaan mudannoowwan kun guutumaa guutuutti amansiisaa ta'uun hin danda'amu, inni hafuura qulqulluuf kan eerame hafuura ta'uu isaan, Zakka.4 irra kan jiru eeraa tilmaama keessa hanga hin seeneeti.
2. Kan biroon kan isaan amanan Isaa. 11:2 kan eeru akka ta'e dha, Septuwajentii irraa, torbanuu kennaawwan hafuura qulqulluu kan eeraman. Ta'us, barreefama Mesoratikii (Ibiroota) kennaa jaha qofaa dha kan eeraman.
3. Kan Yihudii dubeessa kitaaba qulqulluu kan ta'an isaan kana kan ibsan waa'e argama ergamootaa ti, teessoo Waaqayyoo dura kan jiran angafa ergamootaa torban (cf. 8:2).m
4. Kan biroon kan walitti isaan fiduu ergamoota irraa yookaan ergamtoota wajjini dha, waldaa kiristaanaa turban keessaa, isaanis 1:20 irratti kan eeraman.

**1:5 "Yesus Kristoos irraa, dhuga baatii amanamaa"** kun gaalee sadan keessaa kan jalqabaati, Yesuus Masihii kan inni ibsuu. Isaan lakkoofsoota bantuu 20:6-21 wajjin wal cinaa dha. "kan amaname" hiika kakuu moofaa qaba, kan amanamu, dhugaadhaaf, fi kan itti siqan (Isaa.55:3-5). Kan barreefame sagalee Waaqayyo (kitaaba qulqulluu) akka amanamu, akkasumas immoo ga'umsa mul'ataa, sagalee jiraataa, Yesuus (cf. 3:14). Wangeeli akka amanamuu kan ta'ee ergamaa dha, namni akka fudhatuu, namni sun jiraachuun kan irra jiru jireenyi.

Gaaleen Girikii, "ragaa amanamaa," ta'uu kan danda'u

1. "Dhuga baatiin koo, anaaf kan amanamee," ____ kan akka gaalee lamaa, 2:13 ilaali (kan bakka maqaa gaalee dabalata wajjin)
2. "Kan amanamee fi ragaa dhugaa," 3:14 ilaali ("fi isa dhugaa" kan jedhu dabalataa wajjin)

▣ **"Angaffa warra du'ani"**

## Mata duree addaa: Angafa

Jechi kunni "angafa" (*prōtotokos*) macaafa qulqulluudhaan fayyadama irra kan oole bifa adda addaa baay'eedhaan.

1. Kan isaa Kakuu Moofaan kan inni argisiisuu dursaa kan ta'ee angafa mucaa maatii keessa yoo jiraateedha (Faarf. 86:27, Luqaa 2:7, Roome 8:29, Ibiro 11:28)
2. Kan isaa Qolaa 1:15 fayyadamni isaa akka dubbatutti Yesusin akka angafa uumamaati, innis waabii

   Kakuu Moofaa ta'uu danda'a FAkkeenyaa 8:22-31 yookaan kan Waaqayyoo bakka bu'aa uumamaa (Yohaa 1:3, 1Qoro 8:6, Qoro 1:15-16, Ibiroota 1:2)
3. Fayyadamni isaa Qolaa 1:18, 1Qoro 15: 20 irratti (akkasumas asiti) kan inni argisiisuu Yesus du'aa ka'uutti angafa akka ta'ee dha.
4. Innis waamicha Kakuu Moofaati Yesuusif (Faarf. 89:27, Ibiro 1:6, 12:23. Innis amalaYesus baay'ee walin makee kan qabatuu dha, dursuu isaatii fi giddy galleessummaa isaa. Qabiyyee barreefam akanaatiin lakk.3 yookaan lakk.4 haala wayyuun wali gala. 15:21-22 kun kan Addaami ramaddii Kristoositi, innis lakk.45-48 (Roome 5:12-21, Filli 2:6-11) duuka bu'aa. Addaamiin namni hundumtuu cubbuudhaan miidhameera (jechuun, du'aa). Kristoosin, namni hundumtuu ayyaanna isaa guutummaatti argata

Lakk. Qabatamaa hin ta'iin kun Roome 8:15-18 wajjin namooti barumsaa Waaqayyuummaa tokko tokkoo hundumtuu ga''umsa fayyinaa akka qaban akka cimsan godhaniiru. Kan biroon immoo kan ilaalan lamaanu kan fayyanii fi kan badanii akka ka'an argisiisuu isaati (Daani 12:2). Hundumtuu du'a Addaamiin, Yesusiin hundumtuu in ka'aa (jechuun, tokko tokkoo badhaasaaf, tokko tokkoo immoo murtiif). Anaaf ifa kan ta'ee barreefamni Phaawulos qabiyyee barreefama isaa irraa kan fudhatamee, qalbi kan jijjiiratee amantii akka gaafatu dha, fayyudhaaf!

▣ **“Bitaa mootota biyya  lafaa”** gaaleen kun, akka dursuu hundumaa, kan Faru. 89:27 kan eeruu dha (Faru. 72:11, Isaa. 48:23), innis waa’ee Yesuus kan dubbatee, akka abdii Masihii. Inni immoo deebii Yohannis ni calaqisiisa

1. Waaqefannaa moototа bitaa Roomee godinaa bahaa
2. Kan moototaa fayyadama gaalee Mesopotamiyaa “mootii moototaa” (Mul. 11:15, 17:14, 19:16)

▣ **“Kan nu jaallateef”** kun keeyata kan ammaa, hiiki isaa “Yesuus akka nu jaallate itti fufa.” Jajjabinni kun baay’aa faayida qabeessa waldoota kiristaanaa torban gidduu akka dadhabii fi kufaati shananitti (boqonnaa 2-3).

▣ **“Cubbuu keenya irraas kan nu hiikee”** kun gocha keeyata yeroo darbeeti. Waraabii Vaalgeetii fi Koopitiki, akkasumas tokko tokkoo qubeewwan xiqqaadhaan kan barreefaman barreefamni Girikii, fi warabii msii “kan nu dhiqee” jecha jedhu qabu (louô) innis “hiikamuu” (luô) kan jedhu siritti kan dubbifamu. Barreesitootni kakuu haaraa kan isaan qopheessan, namni tokko sagalee guddisee yeroo dubbisuu kan biroon barreessaa jiru..

“Hiikamuu” jechi jedhuu (dabalataanis) kan durii barreefamoota Girikii ni argama $P^{18}\aleph^{2}$, (walinga wajjin), $\aleph^{2}$, A, fi C, “dhiqachuu” immoo qubee P (jaarraa jahaffaa) fi 046, akkasumas kan biro warra booda barreefama muraasa (maxantuu barreefamoota Girikii) barreefamoota harkaa. Kanaaf, okaan “hiikamuu” yookaan “bilisa baasuu” dubbifama filatamaa dhaa. UBS 4 “hiikamuu” “sirrii”  sadarkaa kennaaf.  Yaadachiisa lama ilaali: tarreefama barreefamaa.

▣ **“Dhiiga isaan”** kun eerama baratamee dha aarsaa ta’uu (Leewota 1-7), kan Yesuus Kristos bakka buusa cubbuu (cf.5:9,7:14, 12:11, Maariqos 10:45,2Qor. 5:21, Isaa. 52:13-53:12). “Dhiiga isaan” kan yerichaa dhugaa wangeelaati (Roomee 3:25, Efe. 1:7, 2:13, Qolaa. 1:20, 1ffaa Pheexiros. 1:18-19. Akka dhoksaa Waaqayyooti, firdii fi haraarri isaa namoota kufan hundumaaf bakka buusa du’aa Yesuus irratti argama (Ibi. 9:11-28).

## MATA DUREE ADDAA: KERIYGMAA BARSIISA WAA’EE MANA AMANTAA DURII

A. Abdii Waaqayyoon Macaafa Qulqulluu Kakuu Haarawaa keessatti godhame deebi’ee dhufuu Yesuus masiihicha/isa dibameen amma raawwachaa jira (Hojii Ergamootaa 2:30; 3:19-24; 10:43; 26:6-7,22; Roomee 1:2-4; 1Tim 3:16; Hib 1:1-2; Phex. 1:18-19
B. Yesuus Waaqayyo abbaadhaan guyyaa cuuphaa isaa dibatan dibame. Kunis akka diamee tureedha. (HoE10:38)
C. Yesuus tajaajila hojii barsiisuu isa erga cuuphamee booda Galiilaatti eegale. (Hojii Ergamoota 10:37)
D. Tajaajila isaa wanta dinqii guddaa gochuu fi wanta gaggaarii raawwachuun beekama. Kunis aangoo Waaqa irraa kennameen fayyadameeti. (Maarqoos 10:45; Hojii Ergamootaa 22:22; 10:38
E. Masihichi kaayyoo Waaqaa kan jireenya bara baraa bakkaan gahutti fannifame (Maarqoos 10:45; Yohaannis 3:16; Hojii Ergamootaa 2:23; 3:13-15, 18:4:11; 10:39,26:23; Roomee 8:34; Qor isa duraa 1:17-18; 15:3; Gal. 1:4; Hib. 1:3; 1Phexiroos 1:2,19; 3:18; 1Yohaannis 4:10
F. Innis guyyaa 3tti du’aa ka’e barattoota isaatti mul’ate (Hojii Ergamootaa 2:4; 31:32; 3:15,26; 10:40-41; 17:31; 26:23; Roomee 8:34; 10:9; 1Qor 15:4-7,12ff, 1Tasalonqee 1:10; 1Tim. 3:16; Pheex. 1:2; 3:18,21)
G. Yesuus Waaqayyo abbaan jajame maqaan isaa “gooftaa jedhamu kennameef (HoE 2:25-29; 33-36; 3:13; 10:36; Roomee 8:34; 10:9 1Xim 3:16; Hib 1:3; 1Phex 3:22)
H. Hawaasa Waaqayyo abbaa uumuuf hafuura qulqulluu Waaqayyo abbaa irraa kennameef (HoE 1:8; 2:14-18; 38:39; 10:44-47; 1Pex. 1:12)
I. Innis murtii kennuu fi wantoota uumama hundaa haareessuuf lammata deebi’ee ni dhufa (HoE 3:20-21, 10:42; 17:31; 1Qor 15:20-28 Tasaloonqee boqonnaa 1:10)
J. Kanneen ergaa isaa dhaga’anii hundi kan godhuu qaban cubbuu isaaniif dhiifama kadhachuufi cuuphamuutu irra jira (Hojii Ergamoota 2:21,38; 3:19; 10:9; 1Phex. 3:21)

Wixineen kun kan gargaaru barbaachisummaa labii waldaa kan duriif barbaachisa. Haa ta’u iyyuu malee barreessitoonni macaafa garga garaa tarii wanta dhiisan qabaachuu danda’u ykn wangeelli Maarqoos garri caalu

haala gochaa Pheexiroos kan barsiise hordofa. Maarqoos karaa aadaan akka ilaalameetti lallaba Phaawuloos walitti gurmeessaa wangeelaatti jijjiiruuni. Maatiwoosii fi Luqaas lameenuu sirna caasaa hundee qabeessa kan Maarqoos hordofu.

**1:6 "Akka taanuu godhee"** gochi kun kan yeroo ammaa kan argisiisuu dha. Yesuus cubbuu irraa akka hiikamnu akka godhe (lakk. 5), innis luba mootummaa isaa nu godhe, isa akka bakka buunu!

▣
**NASB** **"mootummaa, luboota Waaqa isaaf"**
**NKJV** **"Mootoota fi luboota Waaqa isaaf"**
**NRSV** **"mootummaa, Lubootni Waaqa isaani tajaajiluuf"**
**TEV, NJB** **"mootummaa lubootaa Waaqa isaa tajaajiluuf"**

Kun jecha kakuu moofaati Israa'eeliif faayidaa irra kan oole Keessa deebii 19:6 fi Isaa. 61:6 irratti, sabi isaa mootumaa lubootaa akka ta'uu yaadamee kan ture. Waaqayyo Abirhaamiin fillatee Israa'eeliin fillachuudhaaf addunyaa bade fillachuudhaaf (Uma. 3:15, 12:3). Israa'eel jechuun saba ragaa ta'ee ture (jechuun, luboota) isaan garuu kan itti muudaman abbaa wangeelummaa hoji irra oolchuu hin dandeenye (Hizi. 36:22-38). Kanaaf, Waaqayyoo waldaa kiristaanaa filate, addunyaa akka barsiisuuf (Mat. 28:19-20, Luqaas 24:47, HoE.1:8). Israa'eeliif faayida irra kan oolan gaaleewwan barbaachiiso amma waldaa kiristaanaatiif faayidaa irra ooleera (Gal. 3:29, 6:16, Fil. 3:3, 1Phex. 2:5, 9, Mul'ata 1:6, 5:10, 20:6).

Kan walitti qabamee, kan kitaaba qulqulluu "amantootni tajaajila lubummaa irraa" hubachuun barbaachiisaa dha. kiristaanummaan warra dhi'aa naannoo matayyummaa fi shoora baay'ee yeroo olol qabuu kan kitaaba qulqulluu kan walitti qabee gadi xiqqeesseera. Fakkiduu kakuu haaraa kan ta'ee fooni Kristoos (1Qor.12) fakkiduu wal fakkaataa dha. waamamni kakuu moofaa amantootaaf bilisummaa matayyaa cimsa raawwatee ta'uu hin danda'u. cimsi kun guddachaa kan inni dhufee Maartiin Luuteerii fi waldaa Kristaanaa Kaatolikii giddutti kan adeemsifamee wal'aansoo seenaati. Xiyyaafannoon qabiyyee kanaa abbaa wangeelummaati (cf. lakk. 7), tokkoon tokkoon amanaa hirmaachiisuun, tokkoon tokkoon kan bade fi nama rakkaataa , innis fakkeenya Waaqayyooti kan uumame fi Kristoos kan du'eef bira ga'uuf yaaluu dha (Yoha. 3:16, 1Xim. 2:4, 2Phex. 3:9, 1Yohaannis 2:2, 4:14).

## Mata duree addaa:Kiristaanummaan kan walitti qabamee dha

A. Dubbi haalaa Phaawulosii fi Pheexiroos
   1. Qaama
   2. Bakkee
   3. mana
B. "Qulqulluu" jechi jedhuu yeroo baay'ee kan baay'eetti (Filli 4:21 irraa kan hafe achitis taanaan walitti qabaa dha)
C. Kan Maartiin Luter cimsa haara'umsaa "kan amanaa seerri lubummaa" dhugaa Macaafa qulqulluu miti. Inni kan amantootaa seera lubummaati (Ba'uu 19:6, 1 Pheexi 2:5, 9, Mul'ata 1:6).
D. Tokkoon tokkoon amanaa bu'aa walittif kennaa qaba (1 Qoro 12:4)
E. Tokkummaa qofaan sabni Waaqayyoo bu'a qabeessa kan ta'u. tajaajilli tokkummaadhaan (Efes 4:11-12).

▣ **"Waaqa fi abbaa isaaf"** gaalen kun tarii kan inni argisiisuu guutumaan hafuura ta'uu ilmaati (mata duree addaa: Sadan Waaqa tokkoo 22:17 irratti ilaali), garuu inni dhugumatti aboomamuu Yesuusiin karaa ittiin cimsa itti laatuu dha, foon uffachuu isaan. Gaaleen wal fakkaataan Phaawulosiin faayida irra ooleera Roome 15:6 irratti. Miira wal qixummaa 3:21, 14:1 irratti argamuu danda'a.

▣ **"Isaaf uffinni fi humni haa ta'uu"** "Ulfina" jechi jedhu kakuu moofaatti jecha daldalaati (daldalaaf madaalliwwan fayyadamuu) jechuun "ulfaachiisuu" ulfaataa kan ture (Fakkeenya. Warqee) gatii ture. Ulfinni yeroo hundumaa Waaqayyoo abbaaf wal qabata ture kakuu haaraatti (Roome 11:36, 16:27, Efe. 3:21, Filli. 4:20, 1Xim. 1:7, 2Xim. 4:18, 1Phex. 4:11, 5:11, 2Phex. 3:18, Yihudaa 25, Mul'ata 1:6, 5:13, 7:12). Mata duree addaa: ulfina 15:8 irratti ilaali.

"Humna" jechi jedhuu Waaqayyo abbaadhaaf kan jedhame, walfakkaataa barumsa hafuuraa Ilmaaf aboomamuu dha (Yohaa. 17). Yesuus waan hundumaan abbaa kan bakka bu'uu dha, galmi isaa garuu kan dhumaa ulfinaa abbaatiif (1Qor. 15:27-28).

▣ **"Baraa hamma bara baraatti"** kun akkuma jirutti "barootaa hanga barootaati" jechuu dha. kun kan *aiōnos*, fayyadama yabbuu, qeenxee fi baay'ee, mul'ata keessatti kan baratamee dha (cf. 4:9, 10, 5:13, 7:12, 10, 6, 11:15, 15:7, 19:3, 20:10, 22:5). Kan durii ragaa Girikii lamaffaa hiri'isuun isaanii nama ajaa'iba (MSS P [18], A, P).

## MATA DUREE ADDAA: KAN BARA BARAA (CIIGOO GIRIKII)

inni tokkooffaan gaaleen ciigoo Girikii "barootaaf" dha (Luqaas 1:33, Roome. 1:25, 11:36, 16:27, Galaa. 1:5, 1Xim. 1:17), innis kan Ibirootaa 'olam kan callaqisiisu. Robeerti B. Girdistoon, wal fakkeenya kakuu moofaa, fuula 319-321, fi mata dure addaa kakuu moofaa: kan bara baraa ('olam) ilaali. Kan biroon gaaleen wal fakkaatoon "barootaa" (Mat. 21:19 [Mar. 11:14], Luqaas. 1:55, Yoha. 6:58, 8:35, 12:34, 13:8, 14:16, 2Qor. 9:9) fi "baraa barootatti" (cf. Efe. 3:21). Ciigoon Girikii "bara baraan" wajjin garaagarummaa waan qabuu hin fakkaatu. "Baroota" jechi jedhu kan baay'ee ta'uu danda'a bifa fakkiduun seer-luga kan barsiisotaa kan hundeessan "baayina ulfina isaa" yookaan baay'ee "baroota" argisiisuu danda'a Yihuditti "bara hamaa" "bara dhufuuf jiru," yookaan "bara tolaa."

## MATA DUREE ADDAA: BARA BARAAN (OLAM)

Sirrii hiikkaa jecha 'olam, (BDB 761) wanta mirkanaa'ee miti (NIDOTE, waraabbii 3, f. 345). Inni miira danuu keessatti faayidaarra oole ture (yeroo baay'ee dubbisaan murtaa'a) kanneen armaan gadii fakkeenyota filataman qofaadha.

a. Wantoota durii
    A Namoota (saba) Uma. 6:4; 1Sam. 27:8; Er. 5:15; 28:8
    B Iddoowwan Isa. 58:12; 61:4
    C Waaqayyoo Far. 93:2; Fak. 8:23; Isa. 63:16
    D Wantoota Uma. 49:26; Iyo. 22:15; Far. 24:7, 9; Isa. 46:9
    E Yeroo, Kes. 32:7; Isa. 51:9; 63:9,11
b. Yeroo fuulduraa (egerii)
    a. Jireenya nama tokkoo, Ba'u. 21:6; Kes. 15:17; 1Sam. 1:22; 27:12
    b. Mootiidhaaf raayjessa, 1Mot. 1:31; Far. 61:7; Nah. 2:3'
    c. Jireenya itti fufeenya qabu,
        1) Lafa, Far. 78:69; 104:5; Lal. 1:4
        2) Waaqota, Far. 148:6
    d. Jiraachuu Waaqayyoo
        1) Uma. 21:33
        2) Ba'u. 15:18
        3) Kes. 32:40
        4) Far. 93:2
        5) Isa. 40:28
        6) Er. 10:10
        7) Dan. 12:7
    e. Kakuu
        1) Uma. 9:12, 16; 17:7, 13, 19
        2) Ba'u. 31:16
        3) Lew. 24:8
        4) Lak. 18:19
        5) 2Sam. 23:5
        6) Far. 105:10
        7) Isa. 24:5; 55:3; 61:8
        8) Er. 32:40; 50:5

f. Daawit wajjin Kakuu adda ta'e
   1) 2Sam. 7:13; 16, 25, 29; 22:51; 23:5
   2) 1Mot. 2:33, 45; 9:5
   3) 2Sen. 13:5
   4) Far. 18:50; 89:4, 28, 36, 37
   5) Isa. 9:7; 16:5; 37:35; 55:3
g. Masihii Waaqayyoo
   1) Far. 45:2; 72:17; 89:35-36, 110:4
   2) Isa. 9:6
h. Seera Waaqayyoo,
   1) Ba'u. 29:28; 30:21
   2) Lew. 6:18, 22; 7:34; 10:15; 24:9
   3) Lak. 18:8, 11, 19
   4) Far. 119:89, 160
   5) Isa. 59:21
i. Kakuuwwan (abdiiwwan, waadaawwan) Waaqayyoo
   1) 2Sam. 7:1, 16, 25; 22:51
   2) 1Mot. 9:5
   3) Far. 18:50
   4) Isa. 40:8
j. qajeewwan Abrahaamii fi Lafa Abdatame
   1) Uma. 13:15; 17:18; 48:4
   2) Ba'u. 32:13
   3) 1Sen. 16:17
k. ayyaanota kakuu
   1) Ba'u. 12:14; 12:14, 17, 24
   2) Lew. 23:14, 21, 41
   3) Lak. 10:8
l. Bara baraaf turuu bara baraa
   1) 1Mot. 8:p 13
   2) Far. 61:7-8, 77:8, 90:2; 103:17; 145:13
   3) Isa. 26:4; 45:17
   4) Dan. 9:24
m. Wanta Faarfannoonni jedhan amantoonni yoomiyyuu ni raawwatu.
   1) Galata kennuu, Far. 30:12; 79:13
   2) argamuu Isaa keessa jiraachuu, Far. 41:12; 61:4, 7
   3) Aaraara Isaatti amanuu Far. 52:8
   4) Waaqayyoon galateeffachuu, Far. 52:9
   5) Galatoota faarfachuu, Far. 61:7; 89:1
   6) Haqa Isaa labsuu, Far. 75:9
   7) Maqaa Isa aulfeessuu Far. 86:12; 145:2
   8) Maqaa Isaa eebbisuu, Far. 145:2

c. Lamaanuu yeroo keessaan duubatti fuulduratti, ni deemu (“bara hamma baraatti”)
   a. Far. 41:13 (Waaqayyoof galata)
   b. Far. 90:2 (Waaqayyoo ofii Isaa)
   c. Far. 103:17 (Jaalala qajeelummaa Waaqayyoo)

Yaadadhaa, yaadni dubbisaa hamma hiika jechaa ni murteessa.  Kakuuwwanii fi abdiiwwan bara baraaf turan haala irratti kan hundaa'aniidha (san jechuun, Ermiyaas 7).  Dubbisa Ilaalcha yeroo hammayyaa keessan ykn tooftaa ti'oolojii Kakuu Haaraa keessan gara itti fayydama jecha sirriitti dhangala'aa Kakuu Moofaa kamiyyuuttuu ofeeggadhaa.  Kakuu Haaraan abdiiwwan Kakuu Moofaa kan walii galaa ni taasise.

⊡ **“Ameen”** kun jecha kakuu moofaa Ibirootaati “amantiif” (Inb. 2:4). Kan isaa jechi hundee inni guddaan “jajjabina yookaan amansiisaa ta’uu” ture. Ta’us, hiiki isaa gara mirkaneeffanaatti jijjirame (2Qor. 1:20). Innis

akka fakkiduutti faayida irra kan oole amanamaa, kan amanamuu, cimaa, kan amanamuu dha (waamama Yesuus 3:14, 2Qor. 1:20).

## MATA DUREE ADDAA: AMEEN

**I.** KAKUU MOOFAA

A. Jechi "Ameen" jedhamu jecha Ibruu armaan gadii irraa argame
1. "dhugaa" (*emeth*,, BDB 49)
2. "amanamummaa" (*emun, emunah*, BDB 53)
3. "amantii" ykn "amantiin guutuu"
4. "abdannaa" (*dmn*, BDB 52)

B. Saayinsiin maddaa fi seenaa isa adubbatu dhaabannaa qaamaa dhaabbataa nama tokkoo irraayi. Faakaan isaa nama tokko kan dhaabbataa hin taane, miliqaa/mucucachaa jiru (cf. Kes. 28:64-67; 38:16; Far. 4:2; 73:18; Er. 23:12) ykn gufachaa jiruudha (cf. Far. 73:2). Itti fayyadama jechaa fi jechaa kanarraa bakka buusni dheeressuu amanummaa, abdatamummaa, amanamuu, fi of danda'uu ni dagaagse (cf. Uma. 15:16; An. 2:4).

C. Itti fayyadamtoota addaa:
1. utubaa, 2Mot. 18:16 (1Xim. 3:15)
2. wabii, Ba'u, 17:12
3. amanamaa, Ba'u 17:12
4. dhaabbataa, Isa. 33:6; 34:5-7
5. dhugaa, 1Mot. 10:6; 17:24; 22:16; Fak. 12:22
6. jabaa 2Sen. 20:20; Isa. 7:9
7. abdachiisaa (Torah), Far. 119:43, 142,151,168

D. Kakuu Moofaa keessatti jechoonni Ibruu kan biroo lama amantii isa si'aawaadhaaf faayidaarra oolani.
1. *Bathach* (BDB 105), abdii
2. *Yra* (BDB 431), soda, kabaja, sagada (cf. Uma. 22:12).

E. Miira abdannaa ykn amanannaa irraa itti fayydamni kadhannaa mana sagadaa ibsi kan biraa isa dhugaa ykn amanamaa akka ture ragaasisuuf dagaage. (cf. Kes. 27:15-26; Nah. 8:6; Far. 41:13; 70:19; 89:52; 106:48).

F. Jecha kanaaf furtuun ti'oolojii amanamummaa dhala namaa otuu hin ta'in, kan YHWHti waadaa

Isaati. Kanneen YHWH beekan akkuma Isaa ta'uu qabu (cf. An. 2:4) Macaafa Quqlulluu galmee seenaa fi fakkii Isaa Waaqayyo Uma. 1:26-27). Fayyinni dandeettii dhala namaa akka Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya cimaa qabaatu ni supha. Kanumaa fi kan nuyi uumamneef.

**II.** KAKUU HAARAA

A. Itti fayyadamni jecha "amneenii" akkuma raggaasisa kadhannaa mana sagadaa ibsa amanamummaa ibsa tokkoo of keessatti hammatu Kakuu Haaraa keessatti kan baratameedha (cf. 1Qor. 14:16; 2Qor. 1:20; Mul. 1:7; 5:14; 7:12).

B. Itti fayyadamni jechichaa kadhataa tokkoof akka xumuraatti fayyaduun isaa Kakuu Haaraa keessatti kan baratameedha (cf. Rom. 1:25; 9:5; 11:36; 16:27; Gal. 1:5; 6:18; Efe. 3:21; Fil. 4:20; 2Tas. 3:18; 1Xim. 1:17; 6:16; 2Xim. 4:18).

C. Ibsoota adda ta'an beeksisuuf jechichatti (yeruma hunda Wangeela Yohaannis keessatti dacha gochuudhaan) kan itti fayyadame Yesus qofaadha (cf. Luq. 4:24; 12:37; 18:17,29; 21:32; 13:43)

D. Inni Mul. 3:14 keessatti Yesuusiif akka aangootti faayidaarra oole (Isa. 65:16 irraa aangoo YHWH ta'uu ni danda'a).

**E.** Qabiyyeen amanamummaa ykn amantii, abdannaa, ykn abdachuun jecha Giriikii Pistos ykn pistis, isa Afaan Oromootti akka "abdii", "amantii" amanannaatti hiikamu keessatti ibsamee jira.

**1:7 "Kunoo, dumeessa wajjin ni dhufa"** gaaleen kun ergamootaan kan godhame ibsa ta'a lakk. 1. Innis lamata dhufuu Kristoos kan baratamee kan ta'ee luqisii dha.

## MATA DUREE ADDAA: DUMEESSA WAJJIN NI DHUFA

Gaaleen kun kan baratamee lamataa deebi'ee dhufuu Kristoos kan eeruu dha. kun dumeessa wajjin dhufuun baay'ee faayida qabeessa mallattoo bara dhumaati. Innis karaa adda addaa sadiin kakuu moofaatti mul'ateera.

1. Argama Waaqayyoo qaamaan argisiisuuf, shekinah duumessa ulfinaa (Ba'uu 13:21, 16:10, lak.11;25)
2. Ulfina isaa uffisuuf, namni ilaalee akka hin dune (Bau.33:20, Isaa. 6:5)
3. Hafuura qulqulluu adeemsiisuuf (Isaa. 19:1, akkasumas Faarfannaa 18:7-15)

Dani'ee 7:13 irratti duumeessoni nama kan ta'ee Masihii hafuura qulqulluu adeemsiisuuf faayidaa irra ooleera. Kun raajii Daani'eel yeroo 30 ol kakuu haaraa keessatti eerameera. Kun kan wal fakkaatuu Masihichaa fi walitti dhufeenya dumeessa samii Mat. 24:30, 26:64, Maari. 13:26, Luqaas 21:27,14:62, HoE 1:9, 11 fi 1Tas. 4:17.

▣ **"Iji kee waan hundumaa arga"** kun kan inni argisiisu kan foonii, kan qaamaa, kan argamuu, hundumaa kan qabatee dhufaatti Kristoosii dha, dhoksaatti butamuu amantootaa osoo hin taane. akka ilaalcha kooti kitaabni qulqulluun dhoksaati butamuu yookaan waa'ee dhufati raawwatee hin lallabu. Wangeela keessa kan jiran lakkoofsonni sun (Mat. 24:37-44, Luqaas 17:22-37) yeroo hundumaa dhoksaa butamuu degeruuf faayida irra kan oolan, akka haala barreefamichaatti kan walitti dhufu bara Nohii wajjin wal dorgomsiisuudhaaf. Isaan barreefamootni kun kan isaan mul'isan kan hin eegamne dhufaati akka tasaati. Bara Nohitti yeroo tokkoof balleesseera! Mudoo barreefamaa baasuu keessaa of eegadhaa, dubbifamoota murasa kan yaada hafuuraan liqimfamuu isa guddaa yomeessa sagalee isaa fudhaachuun kan mataa keessani dursa-tilmaamaa barumsa hafuuraa bara dhumaa seera godhachuu irraa!

▣ **"Kan isa waraanan hunduu, gosi biyya lafaa martuu waa'ee isaa wayyoo wayyoo jedhu"** kun kan Zak. 12:10, 12 (Yohannis 19:37) kan eeruu dha. kun fakkeenya gaarii dha, Yohaannis barreefamoota kakuu moofaa akkamitti irra deebiin akka itti fayyadamee, haala Roomee wajjin (kan akka Yihudii immoo hiika pesher jedhama). Barreefama Zakkaariyaas Yohaannisiif fayyadama haaraa kan utaalchisu ta'eera. Zakkariyaas irratti barreefamni isaa kan inni argisiisuu jiraatoota Yerusaalemi, waa'ee "waranameef" kan gaddan, barreefama Masooratikii Ibirootaa gara "gosa biyya lafaa hundumaatti" kan jedhutti jijjirameera (Mat. 24:30, gaaleen kun Septuwajenti irraa miti). Dabalatanis, "wayyoo jechuu" haala barreefama Zakkaariyaas irratti yeroo hundumaa kan hiikamu Roomee 11 wajjin wal qabateeti, Yihudiin qalbi jijjiratee Yesuusiin akka Msihitti yeroo amanan. Ta'us, Mul'ata 1:7 irratti wayyoo jechuun qalbi jijjirannaa miti, garuu firdii Waaqayyoo kan hin amanne gosoota hundumaa irratti ta'uu isaati (Mat. 24:30). Akka haala barrefamaa Zakkaariyaasitti kan inni eeruu saba irratti kan ta'uu firdii bara dhumaati, "dirree Megidoon" eeruudhaan, Ibirootaan Harmegedoon jedhama (Zak. 12:11, 2Sen 35:22 fi Faru2, Mul'ata 16:16), kan bara dhumaa naannoo waraanaa Waaqayyoo fi saba isaa gidduutti fi seexanaa fi saba isaa giddutti, saboota hin amanne.

## Mata duree addaa: Seera gaddaa

Israa'elootni yeroo firri jalaa du'u, qalbii jijjiirratnaa dhuunfaaf, akkasumas yakka waliiniif karaa hedduu gadda isaanii ibsu:

1. Uffata tarsaasuu, Uuma. 37:29, 34; 44:13; Abbo. 11:35; II Saam. 1:11; 3:31; I Moot. 21:27; Iyo 1:20
2. Daaraa uffachuu, Uuma. 37:34; II Saam. 3:31; I Moot. 21:27; Erm. 48:37
3. Kophee baafachuu, 2Saam. 15:30; Isay. 20:3
4. Harka mataa irra kaa'achuu, 2Saam. 13:19; Erm. 2:37
5. Awwaara mattaa irratti firfirfachuu, Iya. 7:6; I Saam. 4:12; Nahi. 9:1
6. Lafa taa'uu, Faaru. 2:10; His. 26:16 (Lafa ciisuu II Saam. 12:16); Isay. 47:1
7. Qoma rukutachuu, I Saam. 25:1; II Saam. 11:26; Naho. 2:7 (Idda hiika "Gadda", "BDB 704)
8. Dhagna fii murmuruu, Kes. 14:1; Erm. 16:6; 48:37
9. Laguu II Saam. 1:12; 12:21-23; I Moot. 21:27; I Seen. 10:12; Nahi. 1:4
10. Weedduu gaddaa, II Saam. 1:17; 3:31; II Seen. 35:25
11. Rifeensa aaddachuu (bubuqqisuu), Erm. 48:37
12. Areeda aaddachuu, Erm. 48:37
13. Mataa yookaan suulatti aguuggachuu, II Saam. 15:30; 19:4

◘ **"Ni ta'aa. Ameen."** Kun jecha Girikiiti, jajjabeesuuf, (nai) fi jecha Ibirootaa jajjabeesuus (amen) cimina itti laachuuf wal cina kan taa'ee (cf. 22:20).

## MUL'ATA 1:8

**8 Waaqayyo gooftichi, inni jiru, inni ture, inni dhufuuf jiru, inni hundumaa danda'u, "Anni Alfaa dha, Omeegaa dhas" jedha; [kana jechuun, "Ani isa duraa ti, isa booddee tis" jechuu dha]*.**

**1:8** Yaahiwwen mataa isaa lakkoofsa kana irratti dubbateera, waa'ee Yesuus kan dubbataman jechamoonni duraani sirrii ta'uu isaanii jabeessuuf. Waamama afur isaaf waliin makeera, kan biraa eera tokko wajjin yeroo shanaffaaf akkasumas yeroo jahaffaaf. Walitti qabaatti, lakk. 8 Waaqayyoo kan dabalee kan mataa isaa mirkaneefannaa dha, ibsa dursuuf, isaan maqoota nama ajaa'ibsiisan waa'ee fayyadamuu.

1. "Kan jiruu fi kan jiraatu" innis maqaa kakuu Yaahiwwee kan eeruu dha (Bau. 3:14), "gochama ta'uu" gosoota. Yesuus kana waa'eemataa isaaf fayyadameera (Yohaannis 8:56-59). "Gooftaa" waamama jedhuu (kurios) kakuu haraatti kan callaqisiisuu kana waamama kakuu moofaatti.
2. "Aalfaa fi Omeega" kan jalqabaa fi kan dhumaa qubeewwan Girikii yeroo ta'an Waaqayyoo kan jalqabaa fi kan dhumaa, seenaa kan to'atuu ta'uu isaa kan argisiisanii dha (Isaa. 44:6, Mul'ata 21:6), waamamni kun immoo Yesuusiif faayidaa irra ooleera Mul'ata 1:17 fi 22:13.
3. "Gooftaa" Yaahiwwee hiikuuf tooftaa ammayyaati (itti fufee kan jiru mata duree addaa ilaali).
4. "Waaqayyoo" Uuma. 2:4 irratti, Yaahiwwee, fi Elohim wal makeera (Waaqayyoo Gooftaa) akka maqaa hafuuraati. El Waaqayyoof maqaa wali galaati, baha dhi'ootti, "cimaa ta'uu" kan jedhu jalatti.
5. "Kan jiru, kan turee, kan dhufuuf jiru" duraan dursee lakk.4 gaalee jiru irratti faayidaa irra ooleera, innis kan hin jijjiramne , bara baraan kan jiraatu Waaqa (Faru. 102:27, Milki. 3:6, Yaaqoob 1:17). Gaaleen kun Waaqayyoo abbaadhaaf, Yaahiwween faayidaa irra ooleera lakk. 4 fi 8 fi Yesuusiif, Waaqayyoo abbaadhaaf, lakk. 17, 18 fi 22:13 (Ibi. 13:8) irratti.
6. "Humna" innis jecha kakuu moofaati, (1) "El-shaddai," Waaqayyoof maqaa abbummaa (Ba'uu. 6:3) yookaan (2) "Yaahiwwee Sabaoth," LXX "humna Waaqayyoo gooftaa". Innis macaafa kana keessatti yeroo hundumaa argama (jechuun, *pantokratō* rcf.4:8, 11:17, 15:3, 16:7, 14, 19:6, 11, 21:22), garuu yeroo tokko qofa kan biroon kitaaba kakuu haaraa (jechuun, 2 Qor.. 6:18).

Barreefamni Girikii durii tokkoo, Aleef (א), fi barreefamoota baay'ee duubaa "kan jalqabaa fi kan dhumaa" gaalee jedhuu dabaleera, "Alfa fi omega" booda irraa. Barreesitootni isa kan isaan galchan 21:6 irraati, garuu tarii inni kutaa olaanaa irraa ta'uu dhiisuu danda'a, barreefama isa jalqabaa yaada hafuuraan liqimfamee Girikii. UBS [4] ilaalcha isaa "sirrii" godheera.

## MATA DUREE ADDAA: WAAQUMMAAF MAQOOTA KENNAMAN

A. El (BDB 42, KB 48)
   1. Hiikni jecha gamtaa Waaqummaa durii wanta mirkanaa'ee miti, hammamiyyuu barattoonni danuun hiddi Akkadian 'cimaa' ykn "humna qabeessa" jedhanii amananillee (cf. Uma. 17:1; Lak. 23:19; Kes. 7:21; Far. 50:1)
   2. Waaqni ol'aanaan Gartuuwwan namoota beekamoo Kana'aan (kitaaba Ras Shamra)
   3. Macaafa Quqlulluu keessatti El jechoota biroo wajjin yeroo hunda walitti hin makamani. Walitti makamuuwwan kunniin Waaqayyoon tahiyyeessuuf karaa ni ta'e.
      a. El – Elyon (Waaqayyo Hundaa olii, BDB 42 fi 751 II), Uma. 14:18-22; Kes. 32:8; Isa. 14:14)
      b. El-Roi ("Waaqayyo isa ilaalu" ykn "Isa ofii Isaa mul'isuu" BDB fi 909), Uma. 16:13
      c. El-Shadaai ("Waaqayyo Gaaraa" BDB 42 fi 994), Uma. 17;1; 35:11; 43:14; 49:25; Ba'u 6:3)
      d. El-Olam (Waaqayyoo Bara Baraa BDB 42 fi 761) Uma. 21:33. Jechichi Kakuu Waaqayyoo Daawitiif gale wajjin karaa ti'oolojiitiin kan walitti hidhameedha, 2Sam. 7:1,16
      e. El-Berit ("Waaqayyoo Kakuu" BDB 42 fi 136, Abo. 9:46
   4. El

a. YHWH Far. 85:8; Isa. 42:5
b. Elohim, Uma. 46:3, Iy. 5:8 keessaa, “Ani El dha, Elohim abbaa keetii”
c. Shaddai Uma. 49:25
d. “inaafaa” Ba’u 34:11, Kes. 4:24; 5:9; 6:15
e. “araara” Kes. 4:31, Nah. 9:31 keessaa
f. “guddaa fi sodaatamaa” Kes. 7:21; 10:17; Nah. 1:5; 9:32; Dan. 9:4
g. “beekumsa” 1Sam. 2:3 keessatti
h. “da’oo cimaa koo” 2Sam. 22:33 keessaa
i. “ijaa baasaa koo” 2Sam. 22:33 keessa
j. “tokkicha quqlulluu” Isa. 5:16 keessaa
k. “hundaa oli” Isa. 10:21 keessaa
l. “fayyina koo” isa 12:2 keessaa
m. “guddaa fi humna qabeessa” Er. 32:18 keessaa
n. “adabaa sirrii” Er. 51:56 keessaa wajjin kan wal qixxaa’uudha.

5. Walitti hidhamni hundaa ol ol’aanaa ta’e maqoota Waaqayyoo Iyyaasuu 22:22 (El, Elohim, YHWH, irra deebi’ame) keessatti ni argama.

B. Elyon (BDB 715, KB 832)

1. Hiikkaan bu’uraa isaa “ol’aanaa” “kan oqubaan dhihaatuuf” ykn “ol ol jedhe” (cf. Uma. 40;17; 1Mot. 9:8; 2Mot. 18:17; Nah. 3:25; Er. 20:2; 36:10; Far. 18:13).
2. Inni maqaawwan/taayitaawwan Waaqayyoo danuu wajjin cinaayyaadhaan fayyadee jira.
   a. Elohim – Far. 47-12; 73:11; 107:11
   b. YHWH – Uma. 14:22, 2am. 22:14
   c. El-shaddai – Far. 91:9
   d. El-Num 24:16
   e. Elah – yeruma hundaa Daani’eel 2-6 fi Iziraa 4-7 keessatti illair wajin walitti hidhamuudhaan ni fayyada (Armaayikiitti “Waaqayyo Hangafa”) Dan. 3:26; 4:2; 5:18,21
3. Inni yeroo baay’ee warra Isiraa’eloota hin taanee faayidaarra oola
   a. Malkiisedeq, Uma. 14:18-22
   b. Balaam Lak. 24:16
   c. Muusee, waa’ee saboota Kes. 32:8 keessatti dubbatuu
   d. Wangeelli Luqaas Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni Ormootaaf barreeffames dabaltaan jecha Giriikii wal qixa ta’e Hupsistos (cf. 1:32,36,35,76; 6;35; 8;28; HoE 7:4; 16:17).

C. Elohim (DANESSA), Eloah (LEEXAA) ifatti walaloo keessatti faayidaarra oole (BDB, 43, KB 53)

1. Jechi kun Kakuu Mofaatiin ala hin argamu
2. Jechi kun Waaqa Isiraa’el ykn Waaqolii tolfamoo sabootaa addaan baasee ni kaa’a (cf. Ba’u. 12:12; 20:3). Warri Abrahaam Waaqayyoolii biraatiif ni hojjetu turan (cf. Iya. 24:2)
3. Inni abbootii firdii Isiraa’el eeruu ni danda’a (cf. Ba’u. 2:6; Far. 82:6).
4. Jechi elohim dhagnoota hafuuraa kan birootiifis (ergamoota, hafuura hamaa) akka Kes. 32:8 (LXX); Far. 8:5; Iy. 1:6; 38:7 keessaatti faayidaarra ooleera.
5. Macaafa Qulqulluu keessatti inni aangoo/maqaa Waaqummaa jalqbaati (cf. Uma. 1:1). Inni addumatti hamma Uma. 2:4; iddoo itti inni YHWH wajjin walitti makametti faayidaarra ooleera. Inni bu’urumaarraayyuu (karaa ti’oolojiitiin) Waaqayyo akka uumaa, itti fufsiisaa, fi dhiheessaa pilaaneetii kana irratti jireenya hunda hunda dhiheessu ni eera (cf. Faarsaa 104).

   Inni El wajjin moggaadha (cf. Kes. 32:15,19). Inni dabalataanis akka Faarsaa 14 (elohim) sirrumatti akka Faarsaa 53 (YHWH) jijjiirama maqaalee Waaqummaatirraa kan hafe YHWHdhaan cinayyaa ta’uu ni danda’a.
6. Hammamiyyuu DANEESSAAN FI Waaqayyoolii kan birootiif faayyadullee, jechi kun yeroo baay’ee Waaqayyo Isiraa’el addaan nib aasa garuu immoo itti fayyadama Waaqayyo tokkicha amanuuf agarsiisuuf yeruma hunda GOCHIMA LEEXAA ni qaba.
7. Jechi kun akka maqaa Waaqummaaf ta’utti afaan warra Isiraa’elootaan ala ta’an keessatti ni argama.
   a. Malkesideeq, Uma. 14:18-22

b. Balaam, Lakk. 24:2

c. Muusee, yommuu waa'ee sabootaa dubbatu, Ba'u 32:8

8. Maqaan beekamaan Waaqa tokkoo Waaqayyoo Isiraa'el DANEESSA ta'uun isaa waan hin baratamneedha! Hammamiyyuu wanti mirkanaa'e jiraachuu baatullee, ti'ooriiwwan kunooti.

   a. Ibraayisxiin DANEESSA yeroo baay'ee danuu ni qabu. Sirriitti kanaa wajjin kan walitti dhihaatu barreeffama caasluuqaa Ibraayisxii booddee "The plurar of majesty" jedhamu, iddoo itti DANESSAAN qabiyyicha addeessuuf faayidaarra ooledha.

   b. Inni kun tarii mana mare wangeela, isa Waaqayyo Waaqarratti wal qunnaman fi isa gatii dhiheessuu Isaa raawwatu eeruu ni mala, (cf. 1Mot. 22:19-23; Iyob 1:6; Far. 82:1; 89:5,7)

   c. Inni kun Kakuu Haaraa keessatti mal'achuu sadan Waaqa tokkoo dhagnoota sadi calqqisiisuu ni danda'a. Uma. 1:1 Waaqayyo ni uuma; Uma. 1:2 Hafuurri ni hammata, akkasumas Yesuus Kakuu Haaraa uumama keessatti bakka bu'aa Waaqayyo Abbaati (cf. Yoh. 1:3,10; Rom. 11:36; 1Qor. 8:6; Qol. 1:15; Ibr. 1:2; 2:10).

D. YHWH (BDB 217, KB 394)

1. Inni kun maqaa isa Waaqayyo akka Kakuu kennu, Waaqayyo akka fayyisaa, hafuura hamaarraa quqlulleessaa ni calaqqisiisa! Dhalli namaa kauuwwan ni cabsu, garuu immoo Waaqayyo sagalee, abdii, fi kakuu Isaatiif amanamaadha (cf. Faarsaa 103).

   Maqaan kun jalqaba Elohim wajjin walitti makamuudhaan Uma. 2:4 keessatti eeramee ture. Uumama 1-2 keessatti yaadota uumamaa lama otuu hin ta'in, xiyyeeffannaawwan lama (1) Waaqayyo akka uumaa bantiiwwan Waaqaaf lafaa (kan mul'atu) fi (2) Waaqayyo akka uumaa addaa dhala namaa tu jira. Umamni 2:4-3:24 mul'ata addaa waa'ee taayitaa mirgi dhalootaa kennamuufi kaayyoo dhala namaa, akkasumas akka rakkina cubbuutii fi taayiaa adda ta'e wajjin fincila gamtaa'een ni jalqaba.

2. Uma. 4:26 keessatti "namoonni Waaqayyoon (YHWH) maqaadhaan waammachuu jalqaban" jedhameera. Haa ta'u malee, Ba'u. 6:3 sabni kakuu jalqabaa (paatriyaarkootaatti beekuu isaanii ni argisiisa. Maqaan YHWH yeroo tokko qofaa Ba'u. 3:13-16 keessattuu w.14 keessatti ibsame. Haa ta'u malee barreeffamoonni Muusee yeruma hundaa jechoota akka seensa jechootaatti otuu hin ta'iin, taphoota jechaa beekamoodhaan ni hiiku (cf. Uma. 17:5; 27:36; 29:13-35). Ti'ooriiwwan danuun akka hiika maqaa kanaatti ni ta'u jedhamanii yaadamaa turan ni jiru (IDB, vol. 2, ff. 409-11 irraa fudhatame).

   a. Hidda Arabi tokko irraa "jaalala itti fufeenya qabu argisiisuu"

   b. Hidda Arabi tokko irraa "qilleensa'uu" YHWH akka Waaqa hobomboleessaa)

   c. Hidda Ugartic (Kana'aan) irraa "dubbachuu"

   d. Barreeffama dhagaa/sibiila irraa bocamee argame Phoenician tokko hordofuu, hiikni CAUSALTIVE PARTICIPLE "Tokkicha Isa jiraatu" ykn "Tokkicha Isa hundeessu" ta'e

   e. Gosa Qal Ibraayisxii irraa "Tokkicha Isa ta'e" ykn "Tokkicha Isa amma ta'e" (miira egeriitiin, "Tokkicha Isa ta'u"

   f. Gosa Ibraayisxii Hiphil irraa "Tokkicha isa ta'uuf sababa ta'u"

   g. Hidda Ibraayisxii irraa "jiraachuu" (fak. Uma. 3:20), jechuunis "jiraaaa bara baraa, Tokkciha bara baraaf jiraatu"

   h. Qabiyyee dubbisaa Ba'u 3:13-16 irraa tapha gosa IMPERFECT irraa bifa PERFECTtiin faayidaarra oole, "Wantan ture ta'uuf itti fufuun qaba" ykn "Ani wantan yeruma hunda ture ta'uuf itti fufuun qaba" (cf. J. Wash Watts, A Survey of Syntax in the Old Testament, f. 67). Maqaa guutuun YHWH yerumsa hundaa akaakuu isa sirriitiin ta'uu danda'a ibsame.

      1) Yah (fak. Hallelu – yah, BDB 219, cf. Ba'u. 15:2; 17:16; Far. 89:9; 104:35)

      2) Yahu ("Yaas" dhuma maqootaa, fakk. Isaayyaas)

      3) Yo ("Jo" jalqaba maqootaa fkn Josua, kn Joel)

1. Amantii Yihudii booddee keessatti maqaan kakuu kun baay'ee quqlulluu (tetragrammaton) isa warri Yihudootaa dubbachuuf isaan abboommii Ba'u. 20:7, Kes. 5:11; 6:13 cabsuuf kajeelanii turaniif qaana'anii turan ni ta'e. Kanaaf isaan jecha Ibraayisxii "abbaa qabeenyaa" "barsiisaa" "abbaa manaa" gooftaa"tiif adon ykn adonai (Gooftaa koo) itti ni jijjiirani Yomuu gara dubbisa isaanii

kitaabota Kakuu Moofaa YHWHtti dhufanitti isana “gooftaa” jedhanii waamu. Kanumaafi YHWHn hiikkaa Ingilitirratti LORD kan Afaan Ormootti immoo Waaqayyo jedhamee kan barreeffameef.

2. Akkuma El wajjin YHWHnis dabalataan amaloota Waaqa kakuu Isiraa’eliif tokko tokkoof ixyyeeffannaa kennuudhaaf jechoota biroo wajin waliitti makameera. Akkuma walitti makamuun jechoota danuun jiraachuu danda’an, kunoo tokko tokko.
    a. *YHWH – Yireh* (YHWH ni kenna, BDB 217 & 906, Uma. 22:14
    b. *YHWH – Rophekha* (YHWH fayyisaa keessani, BDB 217 & 950, Ql. PARTICIPLE 1Ba’u 15:26
    c. *YHWH – Nassi* (YHWH faajjii kooti, BDB 217 & 651), Ba’u. 17:15
    d. *YHWH* - Meqaddishkem (YHWH Tokkicha Isa si qulqulleessu BDB 217 & 872, piel PARTICIPLE) Ba’u 31:13
    e. *YHWH – shalom* (YHWH Nagaadha, BDB 217 & 1022), Abo. 6:24
    f. *YHWH – sabbaoth* (YHWH ni keessummeessa, BDB & 878). 1Sam. 1:3,11; 4:4; 15:2; yeroo baay’ee Raajota keessatti
    g. *YHWH – Ro’I* (YHWH tiksee kooti, BDB 217 & 944, Qal PARTICIPLS), Far. 23:1
    h. *YHWH – sidqenu* (YHWH tolaa keenya, BDB 217 & 841), Er. 23:6
    i. *YHWH – shammah* (YHWH jira, BDB 217 & 1027), His. 48:35

## MUL'ATA 1:9-11

**9 Ani Yohannis obboleessi keessan rakkina keessaa, mootummaa keessaa, obsaan Yesuusii wajjin hafuu keessaas isini wajjin nan hirmaadha. Dubbii Waaqayyoo duukaas waanan bu’eef, biyya bishaan keessaa ishee “Phaaximoo” jedhamtu tokkotti nan geeffame*. 10 Guyyaa isa “Guyyaa Gooftaa” jedhamee beekametti, ani hafuuraan guutameen booddee kootiin sagalee guddaa, sagalee malakataaa fakkaatu tokko dhaga’e*. 11Sagalichis, “Waan argaa jirtu akka inni macaafa ta’utti caafi! Isas waldoota kristaanaa mandara Efesoon, mandara Simiirnaa, mandara Phergamoon, mandara Filaadelfiyaa, mandara Laa’odiiqeyaa jiran torbaniif ergi!” jedhe.**

**1:9-20** kun Mul’ata Yohaannisi, kan ka’ee, kan godhee, kan ulfaate Kristoos. Isaan ibsawwan wal fakkaatoon faayida irra kan isaan oolan waldoota kiristaanaa torban bira ga’uudhaaf (Boqonnaa 2-3). Yohaannis dubbistoota isaaf isa kan adda isa godhuu itti argisiiseera (1) “obbollessi keessan” jechi jedhuu itti fayyadamuu fi (2) rakkina ofii isaa fudhachuuf shaakala eeruun, mootummaa, fi sabrii, isaan jechawwan furtuu_ rakkina, Mootummaa, fi sabrii _immoo Yohaannis fakkeenya jireenyaati, dubbiftootni akka Yohaannis fudhachuuf kan jiran (Yohaannis 16:33, HoE.14:22, Roomee 8:17).

Kan ammayyaa hiikni wara dhi’aa mul’ata kan isaan hin hubanneef sababni inni tokkooffaan kan jaarraa tokkooffaa addunyaa Roomee rakkinaa fi ari’atma fudhachuu dhiisuu keenyaan. Mul’atni miidhamaa kan jiran, du’aa kan jiran, soda irra kan jiran amantootaaf jecha ta’uu dha.

**1:9 “Rakkinichaa hirmaataa kanan ta’ee obbolessi keessan”** 7:14 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**▣ “Mootummaa”**

## MATA DUREE ADDAA: MOTUMMAA WAAQAYYOO

Kakuu Moofaa keessatti YHWH akka Mootii Isiraa’elitti (cf. 1Sam. 8:7, Far. 10:16; 24;7-9; 29:10; 44:4; 89:18; 95:3, Isa. 43:15; 44:4,6) akkasumas immoo Masihichi akka mootii yaadaan jiruutti yaaddamaa turani (cf. Far. 2:6; Isa. 9:6-7; 11:1-5). Beetalheem keessatti (6-4 DKD) Yesuus dhalachuu isatiin Mootummana Waaqayyoo humna haaraa fi qulqullaa’uu fayyuudhaan (Kakuu Haaraa, cf. Er. 31:31-34; His. 36:27-36) gara seenaa dhala namaatti ni cite. Yohaannis bartichi dhihaachuu Mootummaa Waaqayyoo ni labse (cf. Mat. 3:2, Mar. 1:15). Yesuus ifumaan ifatti motummaa Waaqayyoo Isaa fi barsiisota Isaa keessaan dhihaachuu isaa barsiisee ture (cf. Mat. 16;28; 24:14; 26;29; Mar. 9:1; Luq. 21:31; 22:16,18).

Wangeelota walfakkaatan wal cinaa Maarqosii fi Luqaas keessatti gaalee “Mootummaa Waaqayyoo” jedhu ni

argina. Mata dureen barsiisota Yesuus kan walii gala bittaa Waaqayyo yeroo ammaa kana garaa namaa irratti bitu, isa gaafa tokko lafa guutuu keessatti faayidaarra kan oolu ta'u of keessatti ni hammata ture. Inni kun kedhannaa Yesuus Mat. 6:10 keessaa keessatti calaqqisiifameera. Yommuu Maarqosii fi Luqaas, barreeffamoonni Ormootaaf barreeffaman, karaa waliigalaa, maqaa Waaqummaatti fayyadaman Wangeela Maatewos inni Yihudootaaf barreeffame, gaalee isa maqaa Waaqayyoo hin fayydamne ture. (Mootummaa Waaqaa).

Inni kun Wangeeloota walfakkaatan keessatti gaalee ijoo "Lallaboonni jalqabaa fi dhumaa Yesuus akkasumas fakkeenyoonni Isaa irra jireenyi, mata duree kana wajjin waliigalu. Inni bulchiinsa/mootummaa Waaayyoo garaa namaa keessaa kan amma ni eera! Yohaannis gaalee kana si'a lama qofaa itti fayyadamuun isaa (akkasumas fakkeenyota Yesuus keessatti gonkumaa itit hin fayyadamin dhisuun isaa) waan nama dinquudha. Mata duree Addaa armaan gadii ilaalaa. Wangeela Yohaannisiif "jireenyi bara baraa" jechaa fi bakka buusa ijoo tokkodha."

Dhiphinni gaalee kanaa wajjin jiru kan ka'e dhufaatii Kiristoos karaa lamaani Kakuu Moofaan masihii Waaqayyoo dhufaa jiru qofaa irratti xiyyeeffate dursaa waraanaa kan firdii ulfina abeessa dhufaa jiru garuu immoo Kakuu Haaraan Inni Isa. 53 fi akka mootii nagaa Zak. 9:9 hammeenyaa fi barri haaraan tolummaa walan dhoksuuf walirra ni bu'ani. Yesuus yeroo ammaa kana garaa mantootaa keessatti bulchaa jira; garuu immoo guyyaa tokko uumamoota hunda irratti ni bita. Inni akkuma isa Kakuu Moofaa keessatti raagameefitti ni dhufa! Amantonni mootummaa Waaqayyoo "isa dursee ture" fi "isa siichii" keessa ni jiraatu (cf. Gordon D.Fee and Douglas Stuart's How to Read The Bible For All Its Worth, ff. 131-134).

▣ **"Obsa"** jechi kun faayida irra kan oole 2:2, 3, 19, 3:10, 14:12, irratti dha. mata duree addaa 2:2 irratti ilaali.

▣ **"Phaaximos biyya bishaan gidduu"** warri Roomaa isaan biyya bishaan gidduu muraasa kana, Eshiyaa xiqqoo daarii galaanaa kan jiran bittaa hidhamtoota siyaasaati fayyadamaa turan (Taasites Analis, 3.68, 4:30, 15.71). walummaa galatti Yohaannis biyya bishaan gidduu xiqqoo kanatti deemee ture, maaylsi 37 Milites irraa. Biyyi bishaan gidduu sun boca haaraa ji'aa qabaachaa kan ture , gara bahaati deeme, maayilsi 10 dheerinaa fi maayilsi jahaa bal'ina qaba.

▣ **"Waa'ee sagalee Waaqayyoo fi waa'ee dhuga-baatii Yesuus"** hiiki gaalee kanaa yaadamuu kan qaban lama qabu. Agarsiisuu kan danda'uu (1) Wangeela Yohaannis lallabuu yookaan (2) Mul'ata Yohaannis fudhachuu dha. kan seenaa luqissii baay'ee qabna, Yohaannsiif bittaa siyaasaa.

1. Turtuliyaa, ibsa faallaa amantii deenuu, 36
2. Orijin, Homilis Maatihos irratti
3. Aleksaanderiyaa Kilementi, hiyyummaa nama sooresichaa, 47
4. Iyusibus, seenaa waldaa kiristaanaa, 111.20.8-9, fi (4) Jeroom, Ilusxiriyus namoota kan ilaalate, 9.

**1:10 "Hafuraanan ture"** kun gaalee adda ta'ee dha Yohaannis kan isaan fudhatan mul'ata adda addaa argisiisu (cf. 1:10, 4:2, 17:3, 21:10). Innis kan akka ejjennoo yaada hafuuraan liqimfamuu fakkaata, mul'atichi haalli inni itti kenname (HoE. 10:10, 22:17, 2 Qor., 12:1). Kun kan Yihudii amala barreefama Apokilaptikiiti.

▣ **"Guyyaa gooftaatti"** kun kan kitaaba qulqulluu qofaa isaa kan eeruu dha, Dilbata kan eeree, gaalee kana fayyadamee. Dilbata kan eeree "torban keessaa guyyaa jalqabaa" kan jedhuun, Yohaannis 20:19, HoE. 20:7 fi 1Qor. 16:2.

▣ **"Kan akka sagalee fiinoo"** gaaleen kun faayidaa irraa kan oolee Waaqayyoo gaaraa siinaa irratti aboomoota kurnan yero kenne bifa jirun (Ba'uu 19:16). Ta'us, lakk.12 A fi 4:1 kan ka'ee, sagalee ergamaa argisiisuu danda'a. ergamaan gidduu seenuun kan Yihudii gidduu seenuu amala og-baruu Apokilaptikiiti. Mul'atni waa'ee ergamootaa baay'inaan ni dubbata, kan biraa kitaaba kakuu haaraa caalaa.

## Mata duree addaa: Israa'elootaan fayyadama irra kan oolaan gaafoota

Ibirootaan jechoota afur qaba gaafa irraa/ fiinoo wajjin kan wal qabate:

1. "Gaafaa hoolaa" (BDB 01)/gara meeshaa sagalleetti kan geggeedaramuu Iyaa 9:5. Jecha wal fakkaataa

ta'ee, gaafaan kan wal qabatee innis Abrahami Yisihaaqiin kan jijjiree Uuma 22:13 irratti.

2. "Fiinoo" (BDB 1051) –jecha Sooriyaa irraa hoola cakkaa keessa (Ibesi) gaafii kun innis Ba'uu 19:16, 19 Siinaa/Kooreb gaaraa fayyadama irra kan oolee dha. Lakk. 1 fi lakk.2 Iyaasuu 6:5 wajjin wal bukkee dha. Innis fayyadama irra kan oole yeroo waaqeffannaatii fi yeroo loalaa wal fudhachiisuuf (jechuun Iyaarikoo lamanuu turee, 6:4).
3. "Gaafa hoolaa' (BDB 385) –jecha warra Fiinqee hoolaadhaaf 6:4, 6, 8, 13). Innis immoo waggaa Iyoobili'uutiif in dhaabbata Leewota 25:13, 28, 40, 50, 52, 54, 27:17, 18:23, 24). (Isaan sadan hundumtuu osoo jijjiiramanii in mul'atuu gara garummaa tokkoo illee utuu irratti in godhamin. Mishinaayii (RH 3.2) gaafaa horii kamin iyyuu- hoolaa, reetii yookaan agaazeen akka ta'uu hiyama, kan

sa'aa garuu miti).
4. "Fiinnoowwan"(BDB 348) –kun ta'uu kan qabuu "diriirsuu gochama jedhuu irrati, inni lafee qajeela (akka gaafa horii kan hin jajalatin). Isaan kun kan hojetaman birri irraati (akka boca Gibxiiti fi bifaa kan jiru). Isaan kun fayyadama irrakan oolan
   a. Seera waaqeffannaa wajjin (Seera lakk. 10:2, 8, 10).
   b. Tajaajila loltuutiif (Seera lakk. 10:9, 31:6, Hose 5:8, Hizi 3:10, Naahi 12:35, 41)
   c. Hojii moototaa (2 Moototaa 11:14) isaan kana keessaa 1n fiinoo sibilaa Tiitoodhaan Roomee irrattii heerameera, Yoosefasiis Antiq. 3.12. 6. Irratti heerameera.

**1:11 "Kitaabichaan"** jechi Girikii kun bablion dha. Innis faayida irra kan inni oole bifa barreefamaan yookaan bifa maramaan.innis booda irratti barreefama duriif yookaan kitaabicchi kan ittiin waamamu ta'a. Yohaannis mul'ata isa akka barreessuuf ajajameera. Innis hafuura qulqulluu irraa isaan kan ifee dha. Innis Yohaannis faayidaa mataa isaaf osoo hin taanee waldaa kiristaanaatiif. Inni tokkooffaan barreefamni Apokilaptikii amalli isaa caasefama cimaan kan barreefame sharbee ta'uu isaati, akka raajii kakuu moofaa jechaaf osoo hin kennamin. Kitaabni yookaan maramaan irra deddeebiin ni oola, og-baruu Apokilaptikiiti, ergicha kan dubbisuu akka karaa dabarsuuti.

▣ **"Gara waldaalee kiristaanaa torbanitti erge"** isaan aboomota waldaa kiristaanaa kanaa sarara xalayaa Roomee duuka bu'eeti, Efesoonii jalqabee hanga gahuti. Kan Phaawulos kitaabni naanna'aan "efesoon" kan jedhamuu sarara kanaan adeemuun isaa hin oole. Mul'atni Waaqayyoo nama dhuunfaa tokkoo qofaaf raawwatee miti, garuu saba Waaqayyoof malee, qaama Kristoosiif.

▣ hiika Kingijamsii "aalfaa fi omeegaan anaa" gaaleen jedhuu dabalataan itti dabala, ta'usa garuu barreefama Girikii kam iyyuu hin jiruu gaalee kana lakkoofsa kana irratti kan cimsu.

## MUL'ATA: 1:12-16

**12 Ani sagalee dhaga'een isa anatti dubbatu ilaaluudhaaf garagale; yommuun garagales baattuu ibsaa warqee irraa hojjetame torba nan arge*. 13 Baattuuwwan ibsaa sana gidduu immoo ilma namaa kan fakkaatu tokko uffata gad dheeraa miilla bira ga'u uffatee, wanta akka hidhata warqeetiinis qoma isaa hiidhatee ture*. 14 Rifeensi mataa isaa akka rifeensa hiddamaa yookiis akka barbaadaa ibiddaa ti*. 15 Miilli isaa akka sibiila diimaa isa boolla ibiddaa keessatti baqfamee ifuu ti, sagaleen isaas akka sagalee huursaa bishaan baay'ee ti* 16 Harka isaa mirgaa keessaa urjoota torba qaba; afaan isaa keessaa billaa qara-qabeessa gara lamaan qarametu ba'a, fuulli isaas akka biiftuu saafaa in ifa*.**

**1:12 "Baattuu ibsaa warqee torba nan arge"** kun menorayin hin eeru (abbaa siiqee torbaa baattuu ibsaa) innis mana qulqullummaa keessa kan ture(Ba'uu. 25:31-40) ta'uu yoo baatees Zakka.4:2 irratti kan jiru. Isaan kan adda kan ta'an, baattuun ibsaa qeenxeen kan waldaa kristaanaa ibsa bak-buusaa karaawwan (cf. 1:20, 2:1).

**1:13:18** kan ibsa Yesuus fakkeennowan lamaan yaadamuu kan qaban duubeessa kakuu boofaa qabuu (1)Yaahiwwee, garuu immoo (2) ergamaan kan Daani'el 10.

**1:13**
**NASB** **"Mucaa namaa kan fakkaatuu"**
**NKJV** **"Mucaa namaa kan fakkaatu"**
**NRSV** **"Mucaa namaa kan fakkaatuu"**
**TEV** **"mucaa namaa kan fakkaatu"**
**NJB** **"Mucaa namaa kan fakkaatu"**

Qubee guddaadhaan kan barreefaman garaagarummaa hubadhu. Sababni isaa walin nama dha'uu sagalee isaati. Kakuu moofaatti ibsa mucaa namaatiif sagalee dha (Faarf.8:4, Hizi. 2:1 fi kan biroon dabalataan). Ta'us, inni immoo Daani. 7:13 akkasumas Hiz.1:26 faayida irra ooleera, namni Masihii eeruudhaaf, hafuura kan ta'e (cf. 2:18, namni wal fakkaataan "Ilma Waaqayyoo" jedhamee kan waamame) tilmaamameera, sababni isaa

1. Fuula Waaqayyoo dura waan jiruuf
2. Samii irraa dumeessa keessa waan deemuuf
3. Mootummaan bara baraa waan kennameef

Yesuus jecha kana mataa isaa eeruuf itti fayyadameera, sababni isaa fayyaddama barsiisoota waan hin jireef, homaa kan biyyolessaa yookaan hiika waranaa. Innis qaama Yesuus kan namummaa kallattiwwan hafuuraa waan waliin dha'uuf (1Yohaannis 4:1-3, Yohannis 1:1-2, 14).

NKJV fi NRSV kan murtaa'ee keeyata ("the") akka qaban NASB ,TEV fi JB immoo keeyata hin mortoofneen ("a") akka qaban hubadhaa. Barreefamni Girikii keeyata murtaa'een miti (Daani. 7:13, Ibi.1:2, 3:6, 5:8, 7:28). Ta'us, kan murtaa'ee kan inni godhe dhugaa inni ittiin waamamuu dha. Walin nam dha'uun isaa ta'ii jedhamee kan godhame fakkaata (barreefamni Yohaannis kallattin tokkoo). Yesuus dhugumatti mucaan namaa akkasumas immoo Masihiin hafuuraa.

▣ **"Innis hanga miila isaatti uffata uffatee laphee isaa hidhata warqeen kan hidhatee ture"** gaaleen kun karaa baay'eedhaan gargaaraa ture.

1. Akka angaffa lubaati kan eeruu (Ba'uu d28:4, 29:5, Lewoota 16:4 fi Zakka. 3:4)
2. Akka mootummaa badhadhaa kan eeru (1ffaa Saamu.18:24, 24:12, 24:12 fi Hizi. 26:16)
3. Akka abba simbootti ergamaa hiikuu, kan Daan. 10:5-21, Innis Yesuusiin ergaa Waaqayyoo akka fiduu kan mul'isu.

Joofefas, kitaabaa isaa keessatti, boca Yihudii 111. 7.2.4, akkuma jirutti angafni lubaa wayyaa gadi dheeraa uffata, hidhata warqeetiin. Kanaaf, Yesuus angafa Lubaati (Faru. 110:4-7, Zak.3) manni qulqulummaa samii (Ibi. 8:1-13, Faru.. 110).

**1:14 "Riffeensi mataa isaa akka rifeensa adii akka rifeensa hoolaa adii turan"** kun kan durii kan eeruu dha Daani. 7:9. Kun fakkeenya isa tokkoo dha barreesitootni kakuu haaraa Yesuus kan kennaman waamama Yaahiwee fi ibsa, hafuura ta'uu Yesuus kan cimsa ittii laatu.

▣ **"Iji isaas barbadaa ibiddaa fakkaatu"** kun fakkeenyummaan isaa dhuga gadi fagaatee dha (Daani. 10:6, Mul'ata 2:18, 19:12).

**1:15**
**NASB** **"Sibiilaan kan qulqulla'ee biraashoo xambararee fakkaata"**
**NKJV** **"Sibilaaln kan qulla'ee biraashoo qulqulla'ee fakkaata"**
**NRSV** **"Sibilaan kan qulqullaa'e biraashoo xambararee fakkaata"**
**TEV** **"Akka qulqulla'ee fi biraashoo xambararee kan fakkaatuu"**
**NJB** **"Sibilaan kan qulqulla'ee biraashoo xambararee fakkaata"**

Jechi kun biraashoof (chalkolibanon) amansiisaa miti. Biraashoon jeha walitti dhufuuu dha, chalkos (Maatte.10:9, 1ffaa Qoro.13:1, Mul'ata 18:22).Innis Hiz. 1:7 faayidaa irra ooleera, miila Kirubeeliif uffisa Daani. 10:6 ergaa ergamaaf. Millii Yesuus sagalee kanaan mulifameera (cf. 1:15, 2:18) kan isa argama samii irraa yookaan amala simboo isaa argisiisa.

▣

**NASB,NKJV**
**NRSV** **"Sagaleen isaa akka huursaa bishaanii baay'ee ture"**
**TEV** **"sagalleen isaa akka sagalee bishaan fincaa'aa ture"**
**NJB** **"sagaleen isaa akka sagalee garbaa ture"**

Kun faayidaa irra kan olee

1. Yaahiwwee Hizi. 1:24, 43:2
2. Baalleewwan Krirubeel Hizi. 1:24
3. Ergaa ergamaa Daani.10:6

Waluma galatti inni nama samii fakkeenya sagalee aboo ture (cf. 14:2, 19:6).

**1 :16 "HArka isaa mirgaatti urjoota torban qabateera"** gaaleen kun 1:16,20,2:1, 3:1 irratti irra deebi'ameera. Kun kan inni argisiisu Yesuus waldaa kiristaanaa naannootiif kan inni qabuu kunuunsuu dha.

▣ **"Afaan isaa keessaas bilaa kara lamaan qaramee baha ture"** Hromphaia kan inni argisiisu seenesitoota guddaa dha, bilaa bal'aa, warri waraanaa Roomee ni qabatu turan. Fakkiduun kun kakuu moofaatti Isaa. 11:4, 49:2 irratti argama. Fakkeenya kan isa godhus (1) Waraana (cf.2:16, 6:8) fi (2)human Sagalee Waaqayyooti, keessa iyyuu firdii isaa (cf. 2:12, 19:15, 21, 2Tas.2:8). Ibiroota 4:12 bilaa gosa biraa fayyadama (machaira), garuu yaada wal fakkaataa- human sagalee Waaqayyoo.

▣ **"Fuuli isaa humnaan kan ifuu akka aduu ture"** gaaleen wal fakkaataan faayida irra ooleera, ergaa ergamaa ibsuuf Daani.10:6 fii Mul'ata 12:3 (Maatte. 13:43) irratti inni warra du'an keessaa kan ka'ee fakkeenya tolaa qajeelaa ture. Yesuusif jecha wal fakkaataan jijjiramuun isaa ibsameera (Maatte. 17:2).

## MUL'ATA 1:17-20

**17Yemmuun isa argee akka nama du'ee miila isaa jalatti nan kufe. Inni immoo harka isaa mirgaa ana irrakaa'ee, "Hin sodaatin! Inni duraa, inni booddees ana, 18 Inni jiraatuus ana. Takka illee du'een ture, amma garuu kunoo, bara amma bara baraatti jiraachuuttan jira; du'a irratti, balbala iddoo warra du'aniibanuu irratti ani gooftummaa qaba. 19Ammas wanta amma ta'utti jiru, wanta kana boodee ta'uuf isa argite caafi! 20Hiikaan urjoota torban harka koo mirgaa keessatti argitee akkasumas baatuuwwan ibsaa warqee irraa hojjetaman torbanii dhokataa ture; amma garuu urjoonni torban ergamoota waldoota torbaniiti, baattuwwan ibsaa torbanis waldoota torban santti in hiikama" jedhe.**

**1:17"Fuula isatti akka nama du'ee ta'een miila isa jalatti kufe"** mul'atni akka kana warra fudhatan irratti yeroo hundumaa soda uuma (Daani. 8:17, 10:9, Hizi. 1:28, 3:23,2Baarook 21:26, IV Izira 5:15). Uumamaa ol kan ta'ee argamuu hafuuraa mataa isaa mucaa namaatti yeroo mul'isuu kan nama sodaachisuu dha.

▣ **"Harka isaa mirgaa narra kaa'e"** gochii qaamaa kun kan inni argisiisu Yesuus saba isaaf kan qabuu kunuunsuu fi xiyyaafannoo itti laachuu dha (Daan.8:18,10,10,18).

▣ **"Hin sodaatinn"** kun kan ammaa xiyyaafata dha keeyata al-ta'aan, yeroo hundumaa hiiki isaan duraan dursee kan deemee irrattigocha qabnu dhaabnu dha. Namootni argamuu hafuuraa ni sodaatu (Sagaleen Yesus Mat. 17:7,28:10, Mar.6:50,Luqaas 5:10, 12:32, Yoha. 6:20 fi sagaleen ergamaa Mat. 28:5,Luqaas 1:13,30, 2:10).

▣ **Kan duraa fi kan dhumaa anaa"** kun yeroo hundumaa Yaahiwweedhaaf kan eeramu (Isaa. 41:4, 44:6, 48:12), asitti garuu faayidaa irra kan oole Kristosiin kabajuuf (cf.lak. 8, 2:8, 22:13). Kun kan "alfaa fi omega" gaalee wajjin wal qixa. Lakk.4 fi 8 irratti kan jiru yaadannoo ilaali.

**1:18**
**NASB, NRSV** **"jiraataa kanan ta'e"**
**NKJV** **"Jiraataa kanan ta'ee ana"**
**TEV** **"jiraataa kanan ta'e ana"**
**NJB** **"jiraataa kanan ta'e ana"**

Kun kan Waaqayyoo maqaa kakuu, Yaahiwwee, kan eeruu dha, innis jecha Ibirootaa irraa "ta'uu" kan dhufee dha (Ba'uu.3:4). Mata duree addaa: maqaa waaqummaa 1:8 irratti ilaali. Inni bara baraan kan jiraatuu, qophaa isaa jiraataa dha (Daani. 12:7, Yohaa.5:26). Dabalataan, kun fayyadama barreessa kakuu haaraati, kakuu

moofaatti Waaqayyoo kan ittiin waamamu , Yesuusiin ibsuudhaaf. Kun Yesus irra maqaa Yaahiwwee fayyadamuu wajjin baay'ee wal fakkaataa dha, mataa isaaf, Yohaa. 8:58 irratti.

▣ **"Du'een turee kunoo bara baraan jiraataa dha"** du'aa ka'uu:

1. Mallattoo mirkaneessaa abbaa (HoE. 2:24, 3:15, 4:10, 5:30, 10:40, 13:30,33,34, 37, 17:31, Rooome 4:24, 10:9, 1Qor. 6:14, 15:15, Efe.1:20, Qol. 2:12, Ibi.13:20, 1Phex 1:21)
2. Human hafuuraa kan argisiisuu (Roome.8:11)
3. Humna dhuunfaa Yesus kan argisiisu (Yoha. 10:11, 15, 17, 18)

Kun du'a Yesus kan eeruu, namummaa isaa kan hin fudhannee barsiisoota sobaa Ginoostiki of jajuuf karaa ta'ee ture.

▣ **"Furtuu du'aa fi si'ool qaba"** warri Yihudii du'a kan isaan ilaalan balballi kan jiru mana hidhaati (Iyo.38:17, Faru.9:13, 107:18, Isaa. 38:10 Mat.. 16:19). Furtuwwan fakkiduu taayitaati. Kun fakkeennoo dha, kan Yesus du'a isaa fi du'a duuka buutoota isaa irratti kan jiru taayitaa kan argisiisu (cf. 5:9-10, 1Qor.15).

▣

**NASB, NKJV**
**NRSV, NJB** **"si'ool"**
**TEV** **"addunyaa warra du'anii"**

Hiiki Kingi jamsii kan kan inni hiikuu akka "gahanam," dha, kun kan garuu hiika ingilliffaaf jeeqamsa jecha Girikiif, Hades fi Gehenna. Hades kan waltiiti fiduu jecha kakuu moofaa shoel dha (cf.6:8,20:13-14). Namoota kakuu moofaan kaafamee ture, gara lafaatti yeroo bu'an, maatii isaanii wajjin kan wal argan. Innis damaqinaa fi gammachuun bakka hin jireetti argamuu ture. Suuta suutaan Waaqayyo mul'ata dabalataa baay'ee kennuu ture (mul'ata itti fufiinsa qabu) waa'ee jireenya booddee. Barsisootni cimsa kan itti laatan kan tolaa (ganata) fi kan cubbamaa (gahaanam) ramaddiin si'ool keessa (Luqaas. 23:43). Kitaabni qulqulluun kan ibsame miti, tarreefama waa'ee jireenya booddee waa dhi'eessuuf. Waa'ee fakkiduu mootummaa Waaqayyooti kan inni dubbatu (jechuun, direewwan warqee, 1500 mayili kuub magaalaa, balbaloota hin cufamin, k.k.f) gahaanam (abidda, dukkana, xadecha, k.k.f).

## MATA DUREE ADDAA: WARRI DU'AN EESSA JIRU?

I. Kakuu Moofaa
   A. Namni hundumtuu *Sheol* deema (qorannoon madda jecha kanaa ifa miti, BDB 1066). Kunis karaa ittiin du'a yookiis boolla awwaalaa agarsiisanidha, baay'inaan barreeffamoota ogummaa fi Macaafa Isaayyaas raajichaa keessatti. Kakuu Moofaa keessatti kun iddoo dukkana, of beekanii garuu, gammachuu malee (cf. Iyyoob 10:21-22; 38:17; Far. 107:10,14) jiraataniiti.
   B. Akka itti *Sheol* ibsamu
      1. Firdii Waaqayyoon wal qabatee (abidal, ba'u 32:22)
      2. Adaba guyyaa firdii dura iyyuu jiruun wal qabata Far. 18:4-5
      3. *Abaddon* (badiisa) iddoo Waaqayyo iyyuu qaqqabu; Iyyoob 26:6; Far. 139:8; Amos 9:2
      4. Boolla guddaa (awwaala) agarsiisu, Far. 16:10; Isa 14:15; Hisq. 31:15-17
      5. Jal'oonni jiraatti si'oolitti darbatamu. Lakk 16:30; Far. 55:15
      6. Yeroo baay'ee akka bineensa afaan guddaa qabuutti fakkeeffama, Lakk. 16:30; Isa. 4:14; 14:9; Ibr. 2:5
      7. Namoota achi keessaa *Repha'im* jedhaman, (Isa 149-11)

II. Kakuu Haaraa

   A. Jechi Ibraa'isxii "*sheol*" afaan Giriikiitti "Hades (addunyaa hin argamne) jedhamee hiikama.
   B. Akka *Hades* itti ibsamu
      1. Du'a agarsiisa, Mat. 16:18
      2. Du'aan wal qabata, Mul. 1:18; 6:8; 20:13-14
      3. Yeroo baay'ee iddoo adabbii bara baraa agarsiisa (*Gehenna*), Mat. 11:23 (waraabbii Kakuu

4. Haaraa Luq. 10:15; 16:23-24)
5. Yeroo baay'ee bawwaa gadi fagoo agarsiisa, Luq. 16:23

C. Hirama qabaachuu danda'a (barsiisota amantii)
1. Iddoo qajeelotaa jennata jedhamu (maqaa biraa mana Waaqarraa agarsiisu, cf. IIQor. 12:4; Mul. 2:7; Luq. 23:43).
2. Iddoo jal'oota *Tartarus* jedhamu, IIPhex. 2:4, iddoo itti ergamoonni hamoon hidhaman (cf. Uma. 6; I Enoch)

*D. Gehenna*
1. Jecha Kakuu Moofaa "Bowwaa ilmaan Ben-Hiinom" jedhu calaqqisiisa (kibba Yerusaalem). Kunis iddoo warri foonenshiyaanootaa Waaqa tolfamaa isaanii, *Moleh* (BDB 574), jedhamu aarsaa ijoollee dhiyeessuudhaan itti Waaqeessan ture (cf. II Moot 16:3; 21:6; IIAbboota firdii 28:3; 33:6), kunis isa Lew 18:21; 20:2-5 keessatti dhowame ture.
2. Ermiyaas iddicha iddoo warra ormoota Waaqa tolfamaa Waaqeffatanii irraa gara iddoo Firdii Waaqayyootti keessatti iddoo sodaatamaa fi firdii bara baraa ta'e.
3. Yihudoonni bara Yesuus hirmaannaa abboonni isaanii aarsaa ijoollee dhiyeessuudhaan Waaqa tolfamaa Waaqeffachuu keessatti gochaa turaniin wana baay'ee haaraniif nananoo kana iddoo gataa kosii Yerusaalemitti jijjiiranii turan. Fakkeenyonni Yesuus baay'een adaba bara baraa agarsiisan qabiyyee iddoo kanaa irraa kan dhufanidha (abidda, haara, raammoo, cf. Marq. 9:44,46). Jecha Gehenna jedhu Yesuus duwwaatu dhimma itti ba'e (Yaa'iqoob 3:6 irraan kan hafe)
4. Itti fayyadama Yesuus jecha *Gehenna* jedhuuf
   a. Abidda, Mat. 5:2; 18:9; Marq. 9:43
   b. Kun bara baraa, Marq. 9:48 (Mat. 25:46)
   c. Iddoo badiisaa (poonio fi lubbuudhaan), Mat. 10;28
   d. Si'oolii wajjin walfakkeffama, Mat. 5:29-30; 18:9
   e. Jal'oota "Ilma qiliilee" jedhe ibsa, Mat. 23:15
   f. Murtoo seeraatiin adabbii muramu, Mat. 23:33; Luq. 12:5
   g. Yaadni Gehenna jedhu du'a lamma (cf. Mul. 2:11; 20:6, 14) yookiis galaana abiddaa 9cf. Mat. 13:42, 50; Mul. 19:20, 10, 14-15; 21:8). Galaanni abiddaa iddoo namoonni bara baraan jiraatan (si'ol irraa ka'uudhaan) fi ergamoonni hamoon jiraatan ta'uu danda'a (Tartarus irraa ka'uudhaan, II Phex. 2:4; Jude, hidha 6 ykn abyss, cf. Luq. 8:31; Mul. 9:11; 20;1,3).
   h. Namootaaf utuu hin ta'in seexanaa fi ergamoota isaatiif qophaa'e ture, Mat. 25:41

E. Jechoonni si'ool, Hades fi Gehenna jedhaman wal fakkeenya isaan qaban irraa ka'uudhaan jalqaba namoonni hundumtuu gara si'ool/Hades deeman
1. Jalqaba namoonni hundumtuu gara *si'ool/Hades* deeman.
2. Turtiin isaan achitti qabaatan (gaarii/hamaa) guyyaa firdii booddee hammata, garuu iddoon jal'ootaa iddooma wal fakkaataa kana turu (kana irraa ka'uudhaan KJV'n hades (qiliilee) akka *gahennat*ti (bowwaa) hiika.
3. Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni dhiphina guyyaa firdii dura ta'uu agarsiisu seeanaa Luq. 16:19-31 keessa jiru duwwaadha (Alaazaarii fi namicha sooressa sana). *Si'ool* akka iddoo adabbii har'aattis ibsameera (cf. Keessa Deebii 32:22; Far. 18:1-5). Garuu, seenaa kana irratti hundaa'uudhaan barsiisa amantii lafa kaa'uun hin danda'amu.

III. Turtii du'aa fi ol butamuugidduu jiru

A. Kakuu Haaraan "lubbuun akka hin duune" hin barsiisu, kun ilaalcha baay'ee waa'ee jireenya booddee irratti dur turan keessaa tokko ture.
1. Lubbuun namaa foon isaa dura jira
2. Lubbuun namaa du'a foonii duraa fi baadu bara baraan jiraata.
3. Yeroo baay'ee foonii akka mana hidhaatti du'is akka wanta gara dhaala dura tureetti deebisuutti ilaalama.

B. Akka Kakuu Haaraatti hubannaa waa'eedu'aa fi du'aa ka'uugidduutti qaama foonii keessaa ba'uun wal qabate jiru.

1. Yesuus waa'ee adda ba'uu foonii fi lubbuu dubbata. Mat. 10;28
2. Abarahaam amma qaama qabaachuu danda'a, Maq. 12:26-27; Luq. 16:23
3. yeroo bifti Yesuus geddarame sanatti Muusee fi Dliyaas qaama qabu turan, Mat. 17
4. Phaawuloos yeroo dhufaatii Gooftaatti lubbuun Kiristoosiin qabdu jalqaba qaama haaraa akka uffattu dubbata, 1Qor. 15:23, 52
5. Phaawuloos yeroo du'aa ka'uutti amantoonni akka qaama hafuuraa haaraa argatan ifa godha. 1Qor. 15:23, 52
6. Phaawuloos akka dubbatutti amantoonni gara Hades (si'ool) deemu utuu hin ta'in yeoro du'an Yesuusii wajjin ta'u, IIQor. 5:6, 8; Fi. 1:23. Yesuus du'a mo'eera qajeelotas ofii isaa wajjin gara Waaqaatti ol fudhata, 1Phex. 3:18-22

IV. Waaqa (samii)
A. jechi kun Macaafa Quqlulluu keessatti karaa sadii ilaalama
1. Duumessa lafaa ol jiru, Uma. 1:1, 8; Isa. 42:5; 45:18
2. Waaqa urjii guute, Uma. 1:14; Keessa Deebii 10;14; Far. 148:4; Ibr. 4:14; 7;26
3. Iddoo teessoo Waaqayyoo, keessa Deebii 10;14; 1Mot. 8:27; Far. 148:4; Efe. 4:10; Ibr. 9:24 (Waaqa sada, IIQor. 12:2).

B. Macaafni Quqlulluun waa'ee jireenya booddee baay'ee hin ibsu, kunis waan anamni cubamaan karaa fi dandeettii itti hubatu hin qabneef ta'uu danda'a (cf. 1Qor. 2:9).

C. Waaqni iddoodha (cf. Yoh. 14:2-3) akkasumas qaama eenyummaa qabudha (2Qor. 5:6, 8). Waaqni Jeneta haareffamte ta'uu danda'a (Uma. 1:2; Mul. 21-22). Lafti qullooftee haareffamuuf jirti (cf. HoE. 3:21; Rom. 8:21; IIPhex. 3:10). Fakkeenyi Waaqayyoo Kiristoosiin haareffama (Uma. 1:26-27). Amma deebi'anii jennata edenii wajjin tokkummaa qabaachuun danda'ameera.

Haa ta'u malee, kun dhugaa utuu hin ta'in fakkeenya ta'uu danda'a (Waaqa akka magaalaa guddoo tokkootti, Mu. 21:9-27). 1Qor. 15 keessatti garaa garummaan qaama foonii fi qaama hafuuraa akka ija biqiltuu bilchaatetti ibsama. Ammas 1Qor. 2:9 (waraabbii Isa. 64:4 fi 65:17 irraa fudhatame) abdii kakuu guddaadha! Yeroo isa agarru akka isaa taanu nan beeka (cf. 1Yoh. 3:2).

V. Maddoota barbaachisoo
A. William Hendriksen, "The Bible on the Life hereafter"
**B.** Maurice Rawlings, "Beyond Deutu's Door."

**1:19** gaaleen kun faayida irra kan inni oole kitaaba mul'ataa hiikuuf akka akkinaati. Innis akka lamaanuu yookaan akka sadanuu mul'ata godheeti. Gaaleen Girikii kan lamaanuu kan ibsuu dha, amma kan jiruu fi gara fuulduraatti wanta ta'uu. Yohaannis waa'eee bara isaati ture kan inni dubbate akkasumas kan bara dhufuu. Kitaabni kun kallattiwwan lamaan kana walin maka, bifa raajii baratameen, tibba waqtichaa himtee gochuuf, tibbawwan bara dhumaaf. Kitaabni kun guyyoota ari'amuu Yohannis argisiisa, akkasumas ari'atamaa tokkoon tokkoon baraa, garuu immoo ga'umsa bara dhumaa ari'atama mormitoota KRistoos (Dan. 9:24-27,2Tas.2).

**1:20 "Dhoksaa urjootaa"** jechi kun (*mustērion*) bifa baay'eedhaan Phaawuloosiin faayida irra ooleera, hundumtu garuu amma bara baraatti itti firoomu, garuu kan dhokkate karoorri Waaqayyoo, namootaaf fayyina, akkasumas Yihudii hin amanee fi ormoota qaama haaraa tokkoon Kristoosiin wal gargaaru (Efe.2:11-3:13). Asitti, ta'es, faayidaa irra kan oolee kan fakkaatuu waldaa kiristaanaa torban wajjin kan wal qabatee dha, Yesuus boqonnaa 2 fi 3 irratti kan isinitti himame . lakk.20 irratti ifatti akka ilaalu hafuuroota torbaniif, urjoota torbaan, battuu ibsaa warqee torban, fi ergamoota torban hunduu kan fakkeenyumaati, bifa ta'een, waldoota kiristaanoota torbaniif. Jechi kun 17:7 irratti fakkennoo jiru hiika dhokkataa bifa wal fakkaataan faayidaa irra ooleera. Mata duree addaa 10:7 irratti kan jiruu yaadannoo ilaali.

▣ **"Ergmaa"** kan Girikii (aggelos) fi kan Ibirootaa (malak) jecha "ergamaa" yookaan "maleekaa" jedhanii hiikuu danda'u. akkina yaadaa baay'ee akka kan adda isaan baasuuti argamu.

1. Tokko tokkoo kan isaan jedhan, isaan hafoorota torban lakk.4 irratti kan isaan eeran.
2. Kan biroon kan jedhan waldaan kiristaanaa kun soortuu turan (Mil.2:7)
3. Kan biroon kan isaan jedhan, kan argisuusuu waldaa kiristaanootaa kana kan eeguu ergamaa dha (Dani. 10:13, 20,21).

Kan wayyuu kan fakkaatuu isaan kan isaan argisiisan waldaallee kirstaanaa akka wali gala namumeessaati, bak-buusaa soortuu yoo ta'ee yookaan maleekaa.

**GAAFFIILLEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'uu, kana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiikuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen deemuutu nurra jira. Hiiki warri duraa sii, Kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kan deebiftee hiika irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Isaan gaaffilleen mare kun kan kennaman kan kitaaba kanaa kutaa isa ol aanaa dhimoota akka ta'uutti akka qayyabattu akka si gargaaruuf. Kana jechuun akka ta'utti akka itti yaaddu si kakaasuuf maleee kana qofaan akka daangefamtu miti.

1. Boqonnaan 1 keeyata qaraa siif laata, kitaabaa mul'ataa hiikuufii? Yoo ta'ees maalii dhaa?
2. Kitaabni mul'ataa durummaan bar mataa isaatiif yookiin bara dhumaatiif? Akkamitti?
3. Yohaannis kakuu moofaa irraa maaliif eertoota baay'ee godhee, garuu kallattiidhaan isa irra osoo hin eeriinii?
4. Boqonnaa kana irratti maaliif baay'inaan mogaassa heedduun Waaqayyoof godhaman?
5. Lakk.12-20 kan jiran ibsawwan tokkoon waldallee kiristaanaa torban wal beeksiisuuf boqonnaa 2 fi 3 maaliif faayidaa irra oolan?
6. Kan ulfaatee Yesuus baay'ee karaa wal fakkaataan Daani 10 irratti akka ergamaa argamutti mul'atee?

# MUL'ATA 2-3

# HIIKAWWAN HAARAA RAMADDIIWWAN KEEYATAA

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ergaa Efesoon | waldaa kiristaanaa Jaalala hin qabne | Ergaa jalqabaa | Ergaa Efesoon | Efesoon |
| 2:1A | 2:1-7 | 2:1 | 2:1a | 2:1-7 |
| 2:1b-7 | | 2:2-7 | 2:1b-7a | |
| | | | 2:7b | |
| Ergaa Semernesiif | Waldaa kiristaanaa Ari'amteef | Ergaa lamaffaa | Ergaa Serminesiif | Serminees |
| 2:8a | 2:8-11 | 2:8 | 2:8a | 2:8-11 |
| 2:8b-11 | | 2:9-11 | 2:8b-10 | |
| | | | 2:11a | |
| | | | 2:11b | |
| Ergaa Phergamooniif | Walda kiristaanaa Saaxilamtuuf | Ergaa sadaffaa | Ergaa Phergamooniif | Phergaamoon |
| 2:12a | 2:12-17 | 2:12 | 2:12a | 2:12-13 |
| 2:12b-17 | | 2:13-17 | 2:12b-16 | 2:14-17 |
| | | | 2:17a | |
| | | | 2:17b | |
| Ergaa Tiyaxirooniif | Waldaa kiristaanaa Xuroofte | Ergaa afraffaa | Ergaa Tiyaaxirosiif | Tiyaaxiro |
| 2:18a | 2:18-29 | 2:18 | 2:18a | 2:18-29 |
| 2:18b-29 | | 2:19-20 | 2:18b-23 | |
| | | | 2:24-28 | |
| | | | 2:29 | |
| Ergaa Sardesiif | Waldaa kiristaanaa Ishee duute | Ergaa shanaffaa | Erga Sardesiif | Sardees |
| 3:1a | 3:1-6 | 3:1a | 3:1a | 3:1-6 |
| 3:1b-6 | | 3:1b-5 | | |
| | | 3:6 | | |
| Ergaa Filidilfiyaa | waldaa kiristaanaa amanamtuuf | Ergaa jahaffaa | Ergaa Filidilfiyaaf | Filidiffiyaa |
| 3:7a | 3:7-13 | 3:7 | 3:7a | 3:7-13 |
| 3:7b-13 | | 3:8-13 | 3:7b-12 | |
| | | | 3:13 | |
| Ergaan Lodoqiyaaf | Waldaa kiristaanaa Bu'aawwaaf | Ergaa torbaffaa | Ergaa Lodoqiyaaf | Lodoqiyaa |
| 3:14 | 3:14-22 | 3:14 | 3:14a | 3:14-22 |
| 3:14b-22 | | 3:15-22 | 3:14b-21 | |
| | | | 3:22 | |

**RAMADDII DUBBIFAMAA SADII (fuula v ilaali kutaa seensaa irra)**

**YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATTI DUUKA BU'UU**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'uu, kana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiikuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen deemuutu nurra jira. Hiiktooti duraa sii, Kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kana deebiftee hiika irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne. .

Boqonnicha of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaada ijoo isaa irratti. Yaada ijoo ramaddii mataa keetti gubaa irraa kan tarreefaman shan hiikoota wajjin wal cina qabi. Argamni isaa guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees yaada barreessaa jalqabaa kan ta'ee barbaachiisaa kan ta'ee hiikichaaf irratti argamu. Tokkoon tokkoon keeyataa tokkoo fi tokko qofa yaada-ijoo qabateera.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.F

**DUUBESSA WALI GALAA**

A. Ramaddiin barreefamaa kun (boqonnaa 2:3) Yaahiwweedhaaf kakuu moofaa kan kennaman waamama wajjin kan wal qabatee dha, Masihiif faayidaa irra kan oolan (cf. 1:12-20). Kun karaa isa tokkooffaa dha barreesitootni kakuu haaraa Waaqummaa Yesuusin kan ittin mirkaneessan. Mul'ata Yohaannis kan Yaahiwwee kan kakuu moofaa waamama fi gochawwan gara Yesuusitti dabarse, godhe, Masihii ulfeefamen.
B. Kaayyoon isaas isaan kan jaarraa tokkooffaa waldoota kristaanaa kan isaan barbaachiisuu hawwii hafuuraa argisiisuu dha, fakkenyummaaf waldoota kristaanaaf (jechuun, lakk. Torba). Tajaajila Yohaannisii fi yeroo jaarsumaa isaati Eshiyaa xiqqaa ture, keessaa iyyuu Efesooniti. Yohaannis dhugumatti isaan waldoota kiristaanaa kanaa magaloota akka ta'utti beeka. Isaan ergawwaan kun safuu kiristaanummaa kallatti argisiisu. Isaan amanamummaa fi gaarummaadhaa fi waamicha. Waldaan kiristaanaas itti faradama (2Qor.5:10).
C. Waldootni kiristaanaa baay'een turaniiru, bittaa Roomee Eshiyaa xiqqoo, yeroo Yohaannisitti. Barreessicha torban qofaaf maaliif barreessee?
   1. Inni lakkoofsa kitaaba qulqulluuti, guutumaatti (Uumama 1). Torba irra caasefamooni baay'een torba jiru, raajii Yohaannis irra.
   2. Isaan waldoolliin kiristaanaa torban kun sarara adeemsaa qopheessaniiru, Efesoon irraa ka'eee Lodoqiyaairratti kan raawwatu. Innis ergaa mootichaaf sarara ta'uu danda'a.
   3. Isaan bifa murtaa'een yeroo kamitti fi aadaa kamitti argamuu kan danda'an waldaalee kiristaanaa bakka bu'uu danda'u.
D. Ramaddiin barreefamaa kun faayidaan isaa amma nuuf maaliidhaa?
   1. Tokko tokkoo isaan waldoota kiristaanaa kana akka ibsa raajiitti ni hiikuu, seenaa warra lixaaf, Pheenxteqoostee irraa kaasee hanga lamataa deebi'ee dhuufuu isaati
      a. Efesoon = yeroo ergamootaatti; bara haraara 33-100 (Phenxeeqooste hanga Yohaannisitti)
      b. Samirnees = yeroo ari'atamuutti, bara haraara 100-313 (Yohaannis irraa kaasee hanga Qosxenxinos)
      c. Phergaamoon = yeroo Qosxenxiyoos bara haraara 313-590 (Qosxenxiyoos hanga Girigoorii)
      d. Tiyaatiroon = phaaphaasi Roome, bara haraara 590-1517 (Girigoorii hanga Luuter)
      e. Sardees = bara haroomsaa, bara haraaaraa 1517-1792 )Luteerii – Keerii)
      f. Filidilfiyaa = kan ammayyaa sochii Misihooni, bara haraaraa, 1792-1914 (Keerii hanga butamuu)
      g. Lodoqiyaa = yeroo ganuu , bara haraaraa 1914- deebi'ee dhufuutti (WWI, deebi'ee dhufuu)

Kun bifa madalawwan kan garee hiika dhi'ooti, innis isa amaleeffatee kan dhufe "dursa tilmaamaa kan qoodu) yoo ta'uu (yeroo hundumaa kan inni ilaalatuu Maatte. 13 waldoota kiristaanoota torban wajjin wal cina gochuuf dha). Ta'us, mataa isaan barreefama isaa keessatti ilaalcha kan jabeessu

hin jiru. Ammam illee senaa warra dhihaa kallattiwwan jechama kanaa wajjin irratti wali yoo galan, kan biroon garuu wal hin siman. Kitaabni qulqulluun adda ba'uun aadaa warra bahaa wajjin qofa dha akka wal simuu godhee cimsa itti kennuun beekuu dhiisuu isaani dha. Jechamni kun jaarraa tokkooffaa hiika maleessa amantootaati.

2. Tokko tokkoo walda kiristaanaa kan isaan hiikan baroota hundumaatii fi aadaan argamuu kan danda'an gosoowwan waldaa kiristaanaa kan bakka bu'uu fakkeennoo godheeti.

E. Inni tokko kitaabni na gargaaree, raajii, qooqa kan Apokilaaptiki hiikuudhaaf kan na gargaaree D. Bireenti Sandii, caafii marashaa fi murtuu haamtuu: kan kitaaba qulqulluu raajii fi qooqa Apokilaptikii irra deebiin yaaduu dha. Innis ajaa'ibsiisaa kan ta'ee barumsa hafuuraa tuqaa dhi'eessa, waa'ee warra amantoota manamanii abdiwwan godhamee, boqonnaa 2-3 (fuula 28-32). Abdiiwwan akkasitti tarreessa:
   1. Muka jireenyaa
   2. Gonfoo jireenyaa
   3. Dhagaa adii
   4. Saboota irratti aboo
   5. Bakalcha barii
   6. Wayyaa adii uffachuu
   7. Utubaa mana qulqullummaa Waaqayyoo
   8. Maqaa Waaqayyoo
   9. Maqaa Yerusaaleem
   10. Teessoo Waaqayyoo irra taa'uu

   Inni kan inni jedhuu isaan kun akkuma jirutti yookaan adda baasaani hiiku jechuu miti, ta'us garuu akka wali galaatti raawwata malee, 21:3 irratti akka mul'atee. Anis kun sharbee kanaaf waan ta'uu xinhima ta'uu akka ta'ee nan yaada.

**TOKKUMMAA CAASEFAMAA ERGAAWWAN TORBANII**

A. Yaada kennitootni baay'een kan wantoota torbaa caasefama ergaawwaan baay'ee isaanii irratti argisiisu, ammam illee torbanuu hundumtuu tokkoon tokkkoon waldaa kiristaanaa irra yoo hin jiraane.
   1. Yesuusiin kan beekame jecha inni ala hunda itti gargaaramu waldaa kiristaanaa ........kanaaf barreessi….." (cf.2:1, 8:12,18,3:1,7, 14).
   2. Ibsa Yesuusiin 1:12-20 irraa kan fudhatamee, isaanis kan kakuu haaraa waamama Yaahiwwee fi gochawwaan kan ta'an, tokkoon tokkoon ergaa ni beeksiisu.
   3. Beekumsi Yesuus, waa'ee waldoota kiristaanaa bifa sirrinis ta'ee al-ta'aan, "nan beeka…" (2:2, 9:13, 19, 3:1, 8, 15).
   4. Yesuus waldoota kiristaanaatiif dubbata, aadaa isaanitiif, haala teessuma lafaatii fi mudannoo hafuuraf .
   5. Yesuus ni dubbata, waa'ee akka tasaa, dhi'ootti waa'ee deddebi'uu, firdii yeroos ta'ee waa'ee lammata dhufuu, (cf.1:1, 3, 2:5, 16, 25, 3:3,11).
   6. Yesuus dhaga'uu fi hubachuu isa yaachiseera (cf. 2:7, 11, 17, 29, 3:6, 13, 22). Yesuus taa'eera "gurra kan qabuu, haa dhaga'u" wangeela keessatti (Mat. 11:15,13:9, 43, Mar. 4:24.)
   7. Yesuus duuka butoota amanamoodhaaf badhaasa akka qabuu waada galeera, (2:7, 11, 17, 25-26,3:4-5,11-12,21).

Isaan sadarkawwaan torban kun tokkoon tokkoon isaanii ergawwan dhaabbatoo miti. Duraa duubi isaa ni jijjiramawanti tokkoo tokkoos tokkoon tokkoon waldaa kiristaanaaf dhiifameera, ta'us garuuwalitti qabatti caasefamni kun kan inni argisiisuu kan baay'ee kan Yohaannis torban caasefama barreefamaa isa tokkoo dha.

# ERGAWWAAN MAGAALAA ISAAN ILAALATAN

A. Efesoon

1. Magaalaa isa guddaa turee, bittaa Roomee Eshiyaa xiqqooti. Magaalaa guddoo hin ture, ammam illee bittaan Roomee achi yoo jiraatees. Giddugaleessaa daldalaa ture, ajaa'ibaa kan ta'ee buufata galaanaa uumamaa irraan kan ka'e.
2. Magaalaa bilisaa ture, biyya akka bittuuf kan heyyamameef bilisummaa baay'ee kan qaban, loltuuwwan Roomee bakka waraanaa kan hin qabne ta'uu isaa dabalatee.
3. Magaalaa qofaa ture, waggaatti yeroo lama kan godhamuu ispoortii Eshiyaa geggeesuudhaan.
4. Naannoo mana qulqullummaa Arxemsis ture (Laatiniidhaan Diyaanaa), innis yerootti biyya lafaa irraa dinqii torban keessaa isa tokko kan ture. Innis 42c5'X220' 127 utuboowwan 60' dheerina kan qaban turan, 86 warqeen lomoxame ture (seenaa Piliniiti 36:95 ilaali). Fakkii Arxemsis bakalcha darbatamaa kan qabu abbaa harma guddaa fakkeenya dubartii akka turee ni ibsama. Kana jechuun waaqeffannaa waaqa tolfamaa baay'ee ejjitootni magaalicha akka turan argisiia (Hoji.erg. 19). Inni baay'ee hamileen isaa kan kufee, abba aadaa baay'ee ture.
5. Phaawuloos magaalicha keessaa waggaa sadii ol tureera (HoE. 18:18, 20:13).
6. Aadaan akka ibsutti bakka jireenyaa Yohaannis ta'uu isaati Maarihaam Filisxeemitti erga duutee booda.

B. Samrnees
1. Hundeefameera kan jedhamuu Amaazonitti ture (geeggeesituu dubartii cimaa) Samrnee kan jedhamtu. Yeroo Yohaannisitti 200,000 nama ta'utu irra jiraata.
2. Naannoo galaana Ejiyan ture. Mijaa'aa kan ta'ee buufata galaanaa uumama qaba ture.
3. Dhaloota Kristoos dura bara 600 wara Lidiyaatiin kan barbaada'e, gaaruu Lisimiksiin irra deebiin ijaarame, karoora guddaa Iskindir duuka bu'ee, qileensi galaana dire irratti akka qilleensa'u.
4. Innis immoo magaalaa bilisaa ture, Loltootni Roomee akka boodatti deebi'an waan gargaareef, Meziradaatesitti erga mo'amanii booda.
5. Giddu galeessaa waaqa tolfamaa Roomee bakka itti waaqefamuu ture (dhaloota Kristoos dura bara 195) fi waaqefannaa mooti. Inni waaqefannaa mootiif kan jalqabaa Xibryus mana qulqullummaa ture (bara haraara26 ture).
6. Giddugaleessa amantaa ture, mana qulqullummaa Sibilii fi Hoomer bakka waaqefannaa. Aadaa ture, Homeer achitti dhalachuun isaa. Manni qulqullummaa baay'een Paapis kan jedhamuu naannoo Akiropalis turan, karaa warqee ta'een, mana qulqullummaa Zewusii fi Sibli gidduu.
7. Diina kiristaanaa baay'ee saba Yihudootaa keessa ture
8. Magaalichis Poolikarpi (duuka buutuu ergamaa Yohaannis) aarsaa kan inni itti ta'eedha bara haraaraa 155.

C. Phergaamoon
1. Magalaa sooressaa guddaa fi magaalaa guddoo Eshiyaa xiqqoo ture (bara haraaraa 282 jalqabee), ammam illee sarara daldalaa isa guddaa irra osoo hin taanees.
2. Manni kitaabaa guddaan addunyaa Roomeeetti, Aleksaanderiyaa, Gibxi ala akka jiru of jaja. Biraanaa maramaa 200,000 ol ta'an qabdi turte!
3. Biraanaan asitti turee kan uumamee. Gogaa bineeldoota irratti barreessuuf qopheesuun. Kun itti barreessuuf kan qopheefamee Aleksanderiyaa Gibxii Papires waraqaa gurguuruuf diduun waan nufisiseef. Kunis mootii isaani Iyumees 2ffaa (Dhaloota Kristoos dura 197-159) mana kitaabaa Aleeksaanderiyaa kan eeguu, Aristofanesin ramaduudhaaf yaaluu isaati. Mootii Pitooleem, Ipifanees (Dhaloota Kristoos dura 205-182) Aleksaanderiyaa irra yeroo ga'eetti, mana kitaabichaa kan eeguu hidhee Paapires gara Pergamoon akka hin deemne dhorke. Isaan mana barumsaa giddu galeessa lamaan dhugumatti heetootu ture. Booda irratti antooniin mana kitaabaa Phergaamoon gara Aleksaanderiyaatti erge, bifa kennaaatiin Kiliwupaatiraadhaaf.
4. Innis ogeessa fayyaa biyya Gaaleen ture, akkasuams Askilepihosiif giddu galeessa ogummaa fayyinaa. Akkasumas Askilipihos "Waaqa tolafamaa Phergamoon" jedhama ture Mallattoon waaqa tolfamaa kanaaf bofa ture.
5. Innis immoo kan Roomee fi waaqefannaa mootii Awugixos mana qulqullummaa jira ture (bara haraaraa 29) akkasumas waaqefannaan mootii duuka buutootaaf giddu galleessa bulchiinsaa (neokopros) ture. Roomeedhaaf amanamummaan inni qabuu baay'ee kan beekame ture.

6. Innis waaqa tolfamaa Girikii waaqessuu fi gidduutti kan beekame ture. Lewuuziif mana qulqullummaa guddaa ture, magaalatti keessaa ba'ee kan jiru ta'ee guutummaa magaalatti kan argisiisu. Boci isaas akka teessootti ture (jechuun, teessoo seexanaa).

D. Tiyaaxiroon

1. Magalaa daldalaa xiqqoo ture. Galmeesitootni baay'een ni argamuu kan ijaaraman baay'eedhaaf hawaasawwa daldalaa, tokkoon tokkoon isaani kan mataa isaanii waaqatolfamoo filatamoo qabu. Kan inni hundeefameef Phergamoonii fi Sardees gidduu kan jiru karaa guddaa irra ta'ee hanga Fildifiyaa fi Lodoqiyaatti ittifufa. Oomisha Suufiin beekamaa dha. Lidiyaa (HoE.16:14), wayyaa raammooirraa hojjetame  kan gurguruu, magalaa kana turte.
2. Guddachaa kan dhufee Solikees Nikaatiyaa dha, innis loltoota Meqoodeniyaa as waan buufachiiseef.
3. Mana qulqullumaa baay'eedhaaf waaqa tolfamaa waldaa naannoo turan
   a. Taayiriminoos (Apoolo)  __ Waaqa aduu
   b. Arxeemis (Diyaanaa)  __ waaqa tolfamaa jaalalaa
   c. Sibil Sambazi  __  moortuu dubartii naannoo tokkoo

E. Sardees

1. Inni guddaa, sooressa magaala durii ture. Inni barootaaf Impayeera Lidiyaaf magaalaa sooressa ture, ajaa'ibsiisa sababa bakka loltootaaf, gaaroota 1500 fiixee gaaraa irratti . inni galmee Faariis keessatti eerameera, Saayires guddichi magaalaatti sababa qabameef. Akkasumas Abdiyuu lakk.20 irratti eerameera. Innis yeroo Yohaannisitti baay'ee kufee ture.
2. Innis kan dibamee oomisha suufiiin beekama. Adeemsichi achiti kan inni falaasame, isaanis akka sanatti kan cimsa itti laatan.
3. Waaqa tolfamaa haadha Sibili giddu galeessa bakka waaqeffannaa ture. Harcaatiin mana qulqullumichaa magaalaatti amma iyyuu ni argama. Babalina waaqeffannaa kanaaf guutummaan biyya Roomee kan beekamee fi mormii kaasaa ture.

F. Filidelfiyaa

1. Inni diree bal'aa lafa ol jedhaa irratti hundaa'ee bishaaniin kan eegame ture. Kun baay'ee bakka waranaa barbaadama godheera. Innis magaaloota torban keessa isa haaraa ture. Kan inni hundeefamees 2Ataalus (Dhaloota Kristoos dura 159-138).
2. Innis gara Sardeesitti kan geessee sarara daldalaa isa ol aanaa irratti kan inni hundeefame, babal'ateeras.
3. Innis kan midheegfamee bakka qonnaa irratti dha,  keessaa iyuu wayini.  Baakaas, yookaan Diyunises waaqi tolfamaan angaffa tokkoffaa waaqa tolfammaa ture. Innis raafama lafaa bakka inni ta'u ta'uu, bara haraaraa 17 kan turee raafama lafaa guddaan badeera, akkasumas kan biroon hidhaan gurguddoon naannoo isaanii magaalatti kan balleesse. Ta'us, raafamichi naannoo kanatti itti fufee sabichi gara baadiyaa naannichaati naanna'e.
4. Innis giddu galeessa bakka waaqefannaa mootii ture (akka Saminernes fi Phergaamoon) kunis immoo waldootni kiristaanaa baay'een godinnicha keessa ari'atama ture ka'umsa ta'uu danda'a.
5. Innis kan aadaa Helenootaa giddu galeessa isa guddaa ture, dhibbaa isaa humnaan kan babalise. Kaayyoo kanaaf jedhamee bak-buusii isaa Liduyaa fi Pheergaa daangaa irratti kan hundeefamee fakkaata.

G. Lodoqiyaa galaana Likeesitti

1. Innis olqa galaana Likees kan jiran magaaloota jiran keessa tokko dha (kan biroon magaalooni Qolaasiyaas fi Hiraapolis ture). Waldaaleen kiristaanaa isaan magaaloota sadan dhaabbataniiru, Phaawuloosiin kan jijjiramee, Ephaafiraa (Qol.1:17, 4:12-13).
2. Kan inni hundefamees bittaa Selusid, Antiks 11 dha, innis maqaa haadha manaa isaan kan inni mogaase, Loodis, dhaloota Kristoos dura, 250. Innis kan inni hundeefamee naannoo ittisa waraanaati, akka Filidelfiyaa.
3. Bakki isaas  bakka jalqabaa Bahaa /dhiha sarara daldalaa irratti dha. Giddu galeessa daldalaa akka turee galmeefameera.
4. Bakki isaas oomisha lalisaa fi bakka horsiisa looniti, keessa iyyuu adda kan ta'an hoolota guguraacha horsiisuun naannoo addunyaatti beekama. Baayinaan kan iini oomishamuus gurachuu irratti dabalamuu "Tirimeeta" jedhama.
5. Sabootni Yihuudoota baay'een keessa jiru.

6. Inni, akka Phergaamoon, waaqa tolfamaa fayyinaa isaa Askilipiyos giddu galeessa waaqeffannaa ture. Magaalatiin mana barumsaa ogummaa fayyaa ture, qoricha guraa fi ijaa akka ture galmeefameera.

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

**MUL'ATA::2:1**
**1Gara ergamaa waldaa Efesoonitti ,'ergaan kun kan isa harka isaa mirgaatiin urjoota torban qabee, baattuuibsaa torban gidduu deddeebi'uu ti, jedhii caafii!**

**2:1 "Ergamicha"** jecha Ibirootaatii fi Girikiitiin ergamaa jechuun erga kan dabarsuu dha. Kan inni argisiisuus

1. Soortuu (Mil.2:7)
2. Ergamaa waldaa kiristaanaa (Daani'el 10)
3. Hafuura addaa yookaan ibsa hawasa amantootaa

Kun gaalee wal fakkaataa tokkoon tokkoon ergichaa beeksiisa (cf. 2:1, 8, 3:1, 14).

▣ **"Waldaa kiristaanaa"** jecha Girikii wal makaan ekklesia walmakaa jecha Girikii lamaati, "baasuu" fi "waamuu." Innis kan Saptuwaajentii qahal yookaan "hawaasa Israa'el" kan jedhuu jeca Ibirootaa. Kiristaanonni durii mataa isaanii waamuudhaaf itti fayyadamu, sababni isaa

1. Mataa isaanii akka Israa'elitti, akka saba Waaqayyootilakka'uu isaanitiin
2. Mataa isaanii Waaqayyoon waamiicha hafuuraa akka qaban waan lakkaa'aniif, fayyinaa fi tajaajilaaf

Mata duree addaa 1:4 ilaali.

▣ **"Harka mirgaatti"** kun ibsa namoomsuuti (waa'ee Waaqayyootiif qooqaa fooniitiin dubbachuun) fakkiduu humnaa fi taayitaa (cf. 1:16, 17, 20, 2:1, 5:1, 7).

▣ **"Gidduu kan adeemuu"** fakkiduun namoomsuu kun Uma. 3:8 irratti faayidaa irra ooleera, Waaqayyoo mucaa namaa wajjin waa'een argamuu akka fakkeenyaati (Lewoota 26:12).

### Mata duree addaa: Waaqayyo akka namaatti mullateera (ANTHROPOMORPHIC LANGUAGE)

I Qooqi akkasii kun Kakuu Moofaa keessaatti baayyee beekamaadha (fakkeenya yartuu)

A. Buusaa qaama foonii

1 Ijoota- Seera Uumamaa 1:4, 31;6:8;Bau33:17;Seera lakk.14:14;Seera keessa deebi 11:12;Zakariyaas 4:10
2 Harkoota- Bau15:17;Seera lakk.11:23;Seera keessa deebii 2:15
3 Irr'ee- Bau6:6, 15:16; Seera keessa deebi 4 34, 5:15, 26:8
4 Gurroota- Seera laak. 11:18;Samu'eel isaa duraa 8:21; macaafa motoota isaa 2ffaa 19:16 Faarfannaa 5:1;10:17;18:16
5 Fuula- Bau33:11; Seera lakk. 6:25; 12:18; keessa deebii 34:10
6 Quba- Bau8:19 31:18; keessa deebii 9:10; Faarfannaa 8:3
7 Sagalee- Seera Uumamaa 3:8,10; Seeraa ba'uu 15:26, 19:19; keessa deebii 26:1727:10
8 Miillota- Bau24:10;Hiziraa 43:7
9 Bifa namaatiin- Bau24:9-11; Faarfannaa 47; Isayaas 6:1; Hiziraa 1:26
10 Ergamaa Waaqayyoo- Seera Uumamaa 16:7-13; :11-15;31:11, 13;48:15-16, Bau3:4;13:21;14:19; Abboota firdii 2:1;6:22-23;13:3-22

B. Goochaawwaan foonii

1 Uumamaa uumu isaa itti imuu- Seera uumama 1:3;6:911:1420:24:26

2 Tarkaanfachuu (sagalee isaa) Eedeen keessatti- Seera uumama 3:8, Lew 26:12, keessa deebi 23:14

3 Balbala Bidiruu Nohii cufuu isaa- Seera uumamaa . 7:16

4 Haarsoo urgeefachuu isaa –seera uumamaa 8:21; Bau29:18,25;Lew 26:31

5 Bu'uu – Seera uumamaa 11:5;18:21;Bau3:8, 19:11,18:20

6 Musee hawwaaluu isaa Keessa deebii 34:6

C. Miira namummaa (fakkeenya yartuu)

1 Gaabbuu- seera uumamaa 6:6,7; Bau32:14; Abboota firdii 2:18;Samu'eel isaa duraa 15:29,35; Raajii Amoost 7:3,6

2 Dheekkamuu (haariidhaan)- Bau4:14, 15:7;Seera lakk.11:10,12:9,22:22, 25:3,4,32:10,13:14,keessa deebii 6:15,7:4;29:20

3 Innaaffaa- Bau20:5,34:14;Keessa deebii 4:24,5:9,6:15,32:16,21, Iyyaasuu 24:19

4 Jibba/ciiga'uu- Lewwota 20:23, 26:30;keessa deebi 32:19

D. Jechoota maatii (fakkeenya yartuu)

1 Abbaa

a. Kan Isiraa'el- Bau4:22; Seera keessa deebii 14:1; Isayaas 1:2;63:16,64:8

b. Kan mootii Samu'eel isaa 2ffaa 7:11-16, Faarfannaa 2:7

c. Fakkeenya gochaa abbummaa- Seera keessa deebii 1:31,8:5, Faarfannaa 27:10, Fakkeenya 3:12, Raajii Irmiyaas 3:4,22;31:20, Raajjii Hosee 11:1-4,Raajjii Miikiyaas 3:17

2 Maatii- Raajii Hosee 11:1-4

3 Haadha- Faarfannaa 27:10 (fakkeenya haadha harma hosiiftuu) Isayaas 49:15,66:9-13

4 Dargaggessa jalalleef amanamu- Raajjii Hosee 1-3

II Sababa fakkeeny qooqa akkasii fayyadamuu

A. Ilmaan namootaati of mul'isuun Waaqayyoof barbaachisaa sababa ta'eef yaadii Waaqayyoon akka "dhiiraati"fudhachuun kan babalate, sababiin antrpomorfiik ta'eef Waaqayyo hafuura waan ta'eef.

B. Waaqayyoo kan inni fudhatu bifa jireenya namoota isaa ittin mullisuuf fayyadama.Ilma nama isa kufeef (Abba, haadha, maatii, fi jaalalleedha).

C. Ammam iyyuu yoo barbaachisa ta'e, Waaqayyo ofii isaa boca qaama kamiin iyyuu daangessuu hin fedhu (Bau20,Seera keessa deebi 5)

D. Raawwatamni antromorfikaa foon uffachuu Yesuusidha. Waaqayyoo foon uffate, kan harkaan qaqabamus ta'e (Erga Yohanis isa duraa 1:1-3). Ergaan Waaqayyoos sagalee Waaqayyoo ta'e (Wangeela Yohaniis 1:1-18).

▣ **"Baattuu ibsaa warqee"** kun kan mana qulqullummaa Yihudii baattuu hin argisiisu, ta'us garuu waldaa kiristaanaa torbaniif fakkeenya isa kan biraa dha (cf. 1:12-13).

▣ **"Jedha"** jech=I Yesuus inni dhumaa waldaa kiristaanaatiif Mat.. 28:18-20 yookaan HoE.1:7-11 miti, Mul'ata boqonnaa 2-3 malee.

## MUL'ATA : 2:2-7

**2Ergichi, "Hojii kee, wanta ati itti dadhabdu, obsaan danda'uu kees, namoota hamoota immoo caalluma jettee aka ati hin dhiifne, warra ergamoota utuu hin ta'in. "Nuyi ergamoota' ofiin jedhan qortee ilaaltee sobduu ta'uu isaanii akka argites, ani beeka. 3Ati obsaan akka dandeessu, maqaa kootiif jettees akka baattu, kanas akka ati hin dadhabiin ani beeka. 4Garuu jaalala isa dur qabda turte sana dhiisuu kee si irratti argadheera. 5Ammas maal irraa akka kufte yaadadhu! Yaada garaa kee gedddaradhu, hoji isa dur hojjette sanas hojjedhu! Kana yoo gochuu dhaabaatte garuu, ani sitti dhufee, baattuu ibsaa keetii iddoo isaatii nan buta. 6Utuma ta'uu iyyuu immoo waan tokko qabda, inni immoo hojii Niqolaawotaa isa ani jibbu atis in jibbita. 7"Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristiyaanaatiin jedhu ha dhaga'u! Isa mo'eef muka ija isaa nyaatanii jiraatan isa jannata Waaqayyoo keessa jiruttii nyaachuu nan kennaaf" kan jedhuu dha.**

**2:2 "Ani beeka"** gochi isaa kan raawwatamee kan argisiisu dha oida, kan hiikame garuu akka ammaati. Yesuus ni arga, ni hubata, kanaaf waldoota kiristaanaatiif. Kan inni dirqisifamuus jajjabeesuuf safuudhaaf seeraa dha (kunis jaalala maatii kan fakkaatee). Kunis gaalee wal fakkaataa ergamtoota torban irratti irra deebi'ameera. (cf. 2:2, 4:, 13, 19, 3:1, 8, 15).

Jecha kanaaf kan kakuu moofaa duubeessa kan inni argisiisuus kan dhi'oo, walitti dhufiinsa dhuunfa dha (Uma. 4:1, Erm. 1:5).

## Mata duree addaa: beekuu (harka caalu seera keessa deebii akka fakkenyaatti fayyadamuu dha).

Jechi Ibroota "Beekuu" (BDB 393) hiika baayyee qaba *Qal* keessatti (semantic fields).

1 Hamaa fi gaarii hubachuudhaaf- Seera Uumamaa 3:22, Seera keessa deebii 1:39, Isaayaas 7:14-15, Raajii Yoonaas 4:11
2 Hubannaadhaan beekuu- Seera keessa deebi 9:2, 3,6,18:21
3 Muuxannoodhaan beekuu- seera keessa deebi 3:19, 4:35, 8:2, 3, 5,11:2,20:20,31:13,Iyyasuu 23:14
4 Hubachuudhaaf- Seera keessa deebii 4:39,11:2,29:16
5 Dhuunfaatti beekuuf
   a. Dhuunfaa- Seera Uumamaa 29:5, Bau1:8, seera keessa deebii 22:2,33:9
   b. Waaqa- seera keessa deebi 11:28,13:2,6,13, 28:64,29:26,32:17
   c. Yaahiwwee-Seera keessa deebii 4:35, 39,7:9,29:6, Isaayas 1:3, 56:10-11
   d. Kan saalaa- seera Uumamaa 4:11 17,25,24:16, 38:26
6 Dandeetti yookaan beekumsa argamu- Isaayaas 29:11,12, Amost 5:16
7 Ogeessa ta'uu- Seera keessa deebii29:4, Fakkeenya 1:2,4:1, Isaayaas 29:24
8 Beekumsa Waaqayyoo
   a. Kan Musee- Seera keessa deebi 34:10
   b. Kan Israa'eel- Seera keessa deebi 31:21,27, 29

▣ **"Hojii keetii fi dadhabina kee"** kun waldaa kiristaanaa damaqtuu ture, ta'us garuu Kristoos wajjin kan jiru tokkummaa dursa kennuufi dagateetta (cf. 2:4). Kan fooyya'ee irratti wantoota baay'ee irraa fudhateera (Gal. 3:1).

▣ **"Obsa"** jechi kun kan inni argisiisu fedha-qabeessa kan ta'ee, damaqaa, kan hin dachaanne sabiri. Kun kan jalqabaa qabatamaan kitaabichaati (cf. 1:9, 2:2, 3, 19, 13:10, 14:12).

Obsi fayyinaa wajjin wal madaaluutu irra jira (cf. 2:7, 11, 17, 26, 3:5, 11-12, 21). Baay'een isaa dhugaa kitaaba qulqulluu kan dhi'aatan Diyalektikaawi, yeroo dhaga'aan dhugaa kan hin fakkaanee garuu immoo dhugaa kan ta'ee (Paradoksi), lakkuu dha. Lamaanuu dhugaa wal qixee dha, tokkoon isaanii garuu qophaa isaanii garuu dhugaa miti. Fayyummaan ka'umsa qalbi jijjiranaa fi amantii ta'ee akkaatee jireenyaati qalbi jijjiranaa, amantii, aboomamuu, tajaajila, fi sabri kan duuka bu'uu dha! Kana gadii kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Sabrii

Doktriniin mkitaaba qulqulluu jireenya kiristaanaa wajjin kan wal qabatan ibsuuf nama rakkisa, sabani isaa kan dhii'aatan keessaa iyyuu karaa bahaan Diyaleektiin mirreewan ta'uu isaan. Isaan mirreewwan kun kan wal faalleessan fakkaatu, garuu lamaanuu fiixeewwan kan kibaata qulqulluuti. Kiristaana warra lixaa biratti kan godhaman dhugaa tokko filatanii dhugaa faallaa qabataniiru yookaan ni xureessu. Fakkeenyoowwan:

1. Fayyinni Kristoositti amanuuf murtoo ka'uumsaati yookaan murtoo bara jireenyaa duuka buutummaa?
2. Fayyinni Waaqa isa guddaaf kan ta'uu ayyanaan fillatamuu dha yookaan deebii amantii qalbi jijjiranaa karaa mucaa namaatiin, hafuuraaf kan dhi'aatuu?
3. Fayyina al tokko erga fudhatanii baduun hin danda'amuu yookaan gocha ittii fufiinsa qabuu barbaachisaa?

Dhimmi sabrii seenaa waldaa kiristaanaa hundaa wal'alchiiseera. Rakkichi kan ka'uu kakuu haaraa irraa dubbifamoonni walitti bu'an fakkaata:

1. Waabdii irratti barreefamoota
   a. Dubbii Yesuus wangeela Yohaannis irratti (Yohaannis 6:37, 10:28-29)
   b. Dubbii Phaawuloos (Roome. 8:35- 39, Efe. 1:13, 2:5, 8-9, Filli. 1:6, 2:13, 2Tas.3:3, .2Xim.1:12, 4:18)
   c. Dubbii Pheexiros (1Phex. 1:4-5)
2. Barreefama barbaachisummaa sabrii
   a. Dubbii Yesuus wangeeloota duraa irratti (Mat.. 10:22, 13:1-9, 24-30, 24:13, Mar. 13:13)
   b. Dubbiin Yesuus Wangeela Yohaannisitti (Yohaannis 8:31, 15:4-10)
   c. Dubbii Phaawulos (Roome. 11:22,1Qor. 15:21, 2Qor. 13:5, Gal. 1:6, 3:4, 5:4, 6:9, Filli. 2:12, 3:18-20, Qol.. 1:23, 2ffaa Xim. 3:2)
   d. Jecha barreessaa Ibirootaa (2:1, 3:6 14, 4:14, 6:11)
   e. Dubbii Yohaannis (1Yohaannis 2:6, 2Yohaannis 9, Mul. 2:7, 17, 26, 3:5, 12, 21:7)

Fayyina kibataa qulqulluu kan inni burquu sadan tokkummaa kan ta'ee jaalala olaantummaa Waaqayyoo, haraaraafi ayyaana isaati. Namni kam iyyuu iyyuu kaka'umsa hafuura qulqulluu malee fayyuu hin danda'u (Yoha. 6:44, 65). Hafuurri dursee dhufee yaada isaa qopheessa, garuu namoonni amantiidhaan qalbi jijjirannaadhaan deebii akka kennan ni gaaffata, ka'umsa irraas ta'ee itti fufiinsaan. Waaqayyo walitti dhufeenya kakuun namaa wajjin hojjeta. Caroomunis itti gaaffatamumaanis jiru!

Fayyinni kan kennameef namoota hundumaaf. Du'i Yesuus kan inni wal qabatee uumama kufee cubbuuf rakkinaa wajjin! Waaqayyo karaa kenneera, kanaaf bifa isaatti kan uumaman hundumtuu jaalala isaa fi Yesusiin kennaa inni godheef deebi akka kennan fedha.

Mata duree kana irratti dabalataan dubbisuuf yoo barbaadee

1. Daale Mood, sagalee dhugaa, Irdimaansi, 1981, (fuula 348-365)
2. Hawardi Maarshaal, humna Waaqayyoon qabamuu, Beetani Feeloshiipi, 1969
3. Roobert Shaanki, jireenyi mucaa isaan, Westikooti, 1961

Kitaabni qulqulluun naannoo kanatti rakkoowwan kana ibssa: (1)waabdiin ija malee ta'uun, dhunfuumadhaaf akka waraqaa fedhiitti fudhachuu yookaan (2) tajaajilaa fi cubbuu dhuunfaa wajjin warra wal'ansoo kan qaban jajjabeesuuf. Rakkoon isaa, dogogora kan qaban firootni ergaa dogogoraa fudhatanii, dubbisa kitaaba qulqulluu muraasa irratti seera barumsa hafuura yeroo dhaabani dha. Kristaanoonni tokko tokkoo erga waabdii baay'ee barbaadu, kan biroon immoo of eegachiisa sabrii cimaa barbaadu! Atii garee kam irraatii?

Faallaa seenaa barumsa hafuuraa, olaantummaa Waaqummaan human eeguu cimsa kan itti laataan kan kitaaba qulqulluu booda irratti (Yohaannis 10:27-30, Roomee. 8:31-39, 1Yohaannis 5:13, 18, 1Phex. 1:3-5) fi yeroo gochamaa, kan akka gocha keeyata raawwatame, kan Efesoon. 2:5:8.

Sarara Armeeniyees kan qabu, amantoota "qabi," "cimsee" yookaan "itti fufii" kan jedhan barreefama kitaba qulqulluu booda irratti dha (Mat. 10:22, 24:9-13, Mari. 13:13, Yoha. 15:4-6, 1Qoro. 15:2, Gal. 6:9, Mul. 2:7, 11, 17, 26, 3:5, 12, 21, 21:7). Ani dhuunfaa kooti Ibiroota 6 fi 10 hoji irra kan ooluu natty hin fakkaatu, garuu Arminiyanoota, Kahidoota of eegachiisuuf itti fayyadamu. Kan har'aa fakkeenyi Mati. 13 fi Mari. 4 kan isaan dubbatan ifa waan ta'eef dhimma amantiiti, Yohaannis 8:31-59 irratti akka jiru.warri Kaalvinootaa yeroo gochamaa xumuramee, fayyummaa ibsuudhaaf, warra Armeniyanootaa immoo kan yeroo ammaa dubbifama mul'isu, 1Qor. 1:18, 15:2, 2Qor. 2:15 kan fakkaatan.

Kun fakkeenya gaarii dha, seerii barumsa hafuuraa akkamitti mudoo barreefamaa baasuu godhamee tooftaa hiikaa akka walin dha'an. Yeroo hundumaa geggeessa kan ta'ee geggeessaa yookaan barreefama jalqabaa ilaalcha barumsa hafuuraa ijaaruudhaaf faayidaa irra ooleera, barreefamootni hundumtuu kan itti argaman. Burqaa kam irraa iyyuu kan ta'ee akkaataa ilaalchaa irraa of eegadhaa. Isaan kan isaan dhufan loojikii warra dhihaa irraati, mul'ata irraa osoo hin taane. Kitaabni qulqulluun kitaaba warra dhihaatti. Dhugaa kan dhi'eessan dhiphinnaan kan guutee kan fakkaatan hidhata dhugaa osoo hin taanee dhugaa fakkaatuti kiristaanoonni lamaanuu akka jabeessanii fi dhiiphaawwan keessa akka jiraatan barbaachisa. Kakuu haaraan lamaanuu dhi'eessa, fayyina amanaa fi itti fufiinsa kan qabuu mantiidhaaf gaarummaa gaaffata. Kiristaanummaan ka'umsuma irra kan jiru kan qalbi jijjirannaa fi amantii deebii gaaffata, itti fuufiinsa kan qabuu qalbi jijjiranaa fi deebii amanti. Fayyinni bu'aa miti (tikeetti mootummaa Waaqatti ittiin galan, yookaan kan bal'aa abiddaa waabdii poolisi), garuu walitti dhueenya, murtoo fi duuka buutuu ta'uu dha. Innis kakuu haaraa hundumaatti yeroo gochamaatti mul'ateera:

Kan raawwatamee (gocha xumuramee), HoE 15:11, Rom. 8:24, 2Xim. 1:9, Tito 3:5

Kan xumuramee (gocha xumurame, bu'aa itti fufiinsa qabuun), Efe. 2:5, 8

Kan ammaa (itti fufiinsa kan qabu gocha), 1Qor. 1:18, 15:2, 2Qor. 2:15
Kan dhufuu (tibbawwan gara fuulduraa yookaan yookaan tibbawwan tokko tokkoo), Rom.5:8 10, 10:9, 1Qoro. 3:15, Fili 1:28, 1Teso. 5:8-9, Ibi. 1:14, 9:28

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"namoota hamoo"** |
| **NKJV** | **"hamoo kan ta'aan isaan"** |
| **NRSV** | **"hamaa kan godhan"** |
| **TEV** | **"namoota hamoo"** |
| **NJB** | **"namoota yakkamtoota"** |

Kun akkauma jirutti kakous (kakos), dha, inni yeroo hundumaa "namoota hamootaaaf" kan eeramu. Wal fakkaataan poneros hameenyaaf faayida irra oolu danda'a (saala isaa kan adda hin baafne) yookaan namootni hamootni lafi isaan gahaniif hamaa (dhiira, Mat.. 5:37, 13:38, Yohaannis 17:15). Akka haala barreefamichaa fi fayyadamni isaa akka mirkaneessanitti barreefamni kun kan inni argisiisu "namoota hamoota" dha (Rome .2:9, 13:14) waldaa kiristaanaaf (barsiisota sobduu) yookaan haawasicha keessa ta'uu danda'a.

Kakos yeroo lama qofa dha mul'ata irratti faayidaa irra kan oole, asii fi 16:2, innis faayidaa irra kan inni oolee "xoofoowwan dheekamsaa Waaqayyoo" bu'aa kan argisiisu dha (jechuunis, madaa'uu).

▣ **"Isinan qora"** kun jecha Girikii (peirazÔ) hiikii isaa gaarudhaaf yookaan hamaadhaaf qoramuu dha (baayinaan) ta'i jedhamee (cf.2:2, 10, 3:10). Jechi walitti dhufu kan ta'e (peirasmos) hiiki inni qabuu gara ilaalcha badiisaa ta'eeti qoruu jechuu dha. Madaaliin isaa 1ffaa Yohaannis 4:1, irratti argama, amantootni kan isaan ittiin qoraman (dokimazo) waa'ee Waaqayyoo kan isaanitti dubbatame irratti kan isaan qaban ilaalcha. Waa'ee Waaqayyoo kan isaanitti dubbatamee irratti amantootni akka qoraan waamichi godhame kan dhi'aatee kakuu lamaanuutiin (Kes 13:1-5, 18:22, Mat. 7:15-23, 1Yoha. 4:1-6).

Amantootni kakuu haaraa waliwli isaaniitti faraduu wajjin kan wal qabatee dhiibbaan jira (Mat.. 7:1-5). Ta'es, kiristaanoonni geggeessumaaf gahee wali walii isaanii qoratan waamamaniiru (Mat. 7:5, 6, 15, 1Qoro. 5:1-12, 1Yoha. 4:1-6). Gartokkootti jal'achuuu fi yaada keessaa ta'uu kan qabuu furtuu qoranooti (Gal. 6:1, Roome. 2:1-11, 14:1-23, Yaaqoob 4:11-12)

## Mata duree addaa :Jechoota Giriikii qoruudhaafii hiika isaaniitiif

Jechi Giriikii lama jiru : isaanis tokkoon isaa akeekaa fi yaada qoruu kan qabu

1 *Dokimazō*, Dokimion,Dokimasia

Jechi kun sibiilummaa cimina waan tokkoo qoruuf jecha ta'uudha. (jechuun, haala meetaafooriitiin nama tokko) abiddaan. Abiddi sibiila dhugaa argisiisa in gubas (jechuun, in quleessas) ligidaa'ummaa adeemsa haalaatiifi jecha haalaa cimaa ta'eera, waaqayyoodhaa fi /seexanni fi /namoonni kan biraan yeroo qoran. Jechi kun qofaa isaa fayyadama irra kan ooleedha.Bifa alta'aadhaan fudhatama argachuudhaaf kan qoru ta'uu isaa. Innis qoruudhaaf Kakuu Haaraatti fayyadama irra kan oole

a. Sangoota Luqaas 14;19
b. Mataa keenya 1 Qoronxoos 11:28
c. Amantaa keenya Yaaqoob 1:3
d. Waaqayyo illee Ibiroota 3:9

Bu'aan qormaata kanaa gaarii akka ta'utti yaadama (Roomee 1:28, 14:22,16:10,II Qorontos 10:18,13:3,Filippisiyuus 2:27,1 pheexiroos 1:7). Kanaafuu jechichi kan argisiisu yaadi isaa inni tokko kan ittiin sakatta'amuu fi qoramuudha

a. Fayyadaa akka ta'u
b. Gaarii akka ta'u
c. Qajeelaa akka ta'u

d. Gati qabeessa akka ta'u
e. Kabajamaa akka ta'u

2 *Peirazō, Peirasmus*

Jechi kun yeroo hundumaa dogoggora barbaacha yookaan kaayyoo fudhachuu dhiisuu kan argisiisu hiika sakatta'iinsa qabateedha. Innis yeroo hundumaa fayyadama irra kan oolu qormaata yesuus lafa onaa wajjin walqabateeti

a. Innis kan inni ibsu iyyesuusiin qabuudhaaf yaalii godhamu (Matiwoos 4:1,16:1,19:3,22:18,35,Maarqoos 1:13,Luqaas 4:38,Ibiroota 2:18).
b. Jechi kun (*peirazōn*) akka moggaasa seexanaatti hojii irra ooleera. Matiwoos 4:3,1 tasolonqee 3:5.
c. Innis yesuusin fayyadama irra oolera,waaqayyoon akka hin qorre (Matiwoos 14:7,Luqaas 4:12,) [yookaan kiristoos 1 Qor 10:9] inni immoo waan hin bareenne hojjechuudhaaf yaalii ibsaati (Hojii Ergamoota 9:20,20:21,Ibiroota 11:29). Inni fayyadama irra kan oole qormaata amantoota fi sakatta'amuu wajjin walqabateeti (I Qorontos 7:5,10:9,13, Galaatiyaa 6:1,1 tasalonqee 3:5, Ibiroota 2;18,Yaaqoob 1:2,13,14, 1 pheexiroos 4:12,2:19). Waaqayyo diina mucaa namaa sadiif iyyama (jechuun, biyya lafaa,foon fi Seexana) Yeroo murtaa'ef bakka murtaa'etti akka mul'ataniif.

▣ **"Mataa isaanii nu ergamaa dha jedhanii kan of waaman"** kun kan "ergamaa" fayyadamni jechaa kudha lamaanuu hin ilaalatu, garuu kan jecha isaa fayyadama bal'aa malee (HoE. 14:14, Roomee 16:7, 1Qor. 15:7, Gal. 1:19, Efe. 4:11, 1Tas. 2:6). Kakuu haaraan yeroo hundaa ergamoota sobaa yookaan dhimma barsiisoota ilaalata (Mat.7:15-16, 24:24, HoE.20:29, 2Qor. 11:13-15, 1Yohaannis 4:1 akkasumas ergaawwan kan soortuu hundumaa). Waldaan kiristaanaa kun isaan ergaamoota sobduu sirritti adda baaftee dhabamsiifteeti.

**2:3** waldaan kiristaanaa kun amanamtuu dha, haala rakkisaa gidduutii fi ari'atamuu dabalate. Kristoosiin hin gannee yookaan waan gaarii gochuu irra hin utaale (Gal. 6:9, Ibi. 12:3, Yaq 5:7-8). 2:7 irratti kan jiru yaadannoo ilaali.

**2:4**

| | |
|---|---|
| **NASB,NKJV** | **"jaalala kee jalqabaa dhiifteeta"** |
| **NRSV** | **"duraan qabaacha kan turte jaalala dhiifteeta"** |
| **TEV** | **"duraan akka na jaallatu amma nah in jaallattu** |
| **NJB** | **"duraan jaalalli atii qabaachaa turte amma hir'achaa jira"** |

Kun maal jechuu akka ta'ee yaad-rimeewwan baay'een jiru.

1. TEV fi Charles Wilihaams hiikootni kan jedhan jaalala Kristoof qabuu dha.
2. Jamsi Moofaat kan inni jedhuu jaalala wali waliif qabanii dha.
3. Hersheel Hobsi yaada bal'aa isaa irratti kan inni jedhuu jaalala warra badaniif qabuu dha.
4. J.B. Filliphs hiika isaa irratti gararaa kan jiran hundumaa waliin maka.
5. Warri tokko tokkoo kan isaan yaadan inni kan wal qabatuu dhaloota lammaffaaf amantootni rakkoo wajjin kan wal qabatuu dha (Abo. 2:7-10).
6. Tokko tokkoo kan isaan argisiisan jaalala kan hin qabne, abbaa amantii qabanaa'aa waldaa kiristaanaati (1Qor. 13).

**2:5 "Yaadi"** kun jecha yeroo ammaa xiyyaafataa yoo ta'uu hiiki isaa "yeroo hundumaa sammuu kee eegi" jechuu dha. Amantootni yeroo hundumaa duraan dursanii cubbuudhaan kan turan haalaa fi isa haaraa Kirstoos Waaqayyoon kan argatan ayyaanaa fi haraara akka yaadan ni gorfamu.

▣ **"Eessatti akka kuftee"** kun kan xumuramee gocha kan argisiisuu dha. "Jaalala keessan duraanii" dhiisuun callisuun haala mijataa dha!

▣ **Qalbi jijjiradhuu hojii kee jalqabaa godhi"** isaan kun gocha darban lamaan irratti kan xiyyaafuu dha. Waldaan kiristaanaa walumma galatti murteessaa kan ta'ee qalbi akka jijjirattu yaadadhaa (2Sen. 7:14) fi Kristoosiif jaalalli isheen qabduu damaqaa akka taatuu, wali waliifis, warra badaniifiis.

Qalbi jijjiranaan Waaqayyoo wajjin kan jiruu walitti dhufeenyi waan guddaa dha (Mat. 3:2, 4:17, Mar 1:15, 6:12, Luqaas 13:3, 5, HoE 2:38, 3:19, 20:21). Jechi Ibirootaa hiikii isaa raawwii jijjiramaa , Girikiidhaan immoo jijjirama yaada. Qalbi jijjiranaan of fayyisuu irraa beekamtii jijjiramuu fedha qabeessa t'u dha, gara Waaqayyooti kan dubbatuu fi kan geggeessu jireenya. Innis mataa keenyaaf dursa kan kenninnuu fi hidhamuu irraa deebi'uu dha. Hundeedhuma irraa inni gar tokkootti jechuu isa haaraa dhaa, ilaalcha addunyaa haaraa, gooftaaa haaraa. Qalbii jijjiranaan fedha Waaqayyooti, tokkoon tokkoon mucaa namaa kufeef, fakkeenya isaatti kan hojjetame (Hiz. 18:21, 23, 32 fi 2Phexi. 3:9).

Dubbifamni kakuu haaraa innis kan qalbi jijjirannaa kan adda addaa jecha Girikii bifa fooya'aan kan callaqisiisuu 2 Qoro. 7:8-12 dha.

1. *luē* , "hadhaa'umma" yookaan "hadha'umma" lakk. 8(yeroo lama), 9 (yeroo sadii), 11
2. Metalomai, "of eegannoon booda," lakk. 8 (yeroo lama),9
3. MetanoÔ, "qalbi jijjirannaa, " yaaduu,"lakk.9, 10

Dhibbaan isaa qalbi jijjirannaa sobaa (metalomai, Yihuudaa, Mat. 27:3 fi Eesawu, Ibi. 12:16-17) fi qalbi jijjirannaa dhugaa gidduu (metanoeo, Pheexiroos, Yohaannis 21:15-23, Mat. 26:75, Mar 14:72, Luqaas 22:62).

Qalbi jijjirannaa dhugaa barumsa hafuuraa wajjin kan wal qabachiisu

1. Lallaba Yesuus haloota kakuu haaraa wajjin (Mat.4:17, Mar. 1:15, Luqaas. 13:3, 5)
2. Lallabawwan ergamootaa, hoji ergamootaa irratti (kerygma, HoE.3:16, 19, 20:21)
3. Kennaa Waaqayyoo isa guddaa (HoE 5:31, 11:18 fi 2Xim. 2:25)
4. baduu (2Phex. 3:9)

Qalbi jijjiranaan fillannoo miti!

▣ **"Ta'uu yoo baate sittan dhufa"** kun qabatama baratamee dha, kitaaba kanaan, Kristoos dafee dhufa (cf. 1, 2, 3, 2:5m 16, 25, 3:3, 11). Kakuu moofaatti dhufaatiin Waaqayyoo eebba yookaan firdii fudhate dhufa ture. Haala barreefamichaatiin Kristoos kan dhufee waldaa kiristaanaa seera qabachiisuuf dha (1Phex.4:17)! Kanaaf, inni kan yeroo, dabalataanis qabiyyee raawwii qaba.

▣ **"Baattu ibsaa kee bakka isaatti nan fudhadha"** qodaan ibsichaa bak-buusa kan inni ta'uu guutummaa waldaa kiristaanaati. Kunis kan inni of keessatti qabachuu kan inni danda'u Kristoos jiraachuu dhiisuun isaa kan eebbii jalaa fudhatamuu isaati. Guutumaan hawaasa amantii isaa gatuun irratti hin mul'anne, garuu tajaajila isaanii gaarii garuu dhiisaniiru. Kun immoo kan waldaa kiristaanaa Phergaamoon irratti hojjeta (cf. 2:16), Tiyaatiraa (cf. 2:22-23), Sardees (cf. 3:3), fi Lodoqiyaa (cf. 3:19). Ta'uu kan danda'uu kan isaan kanaa tokkoon tokkoon waldaa kiristaanaa warra akka Niqoonotaan barumsi sobaan akka miidhamanii dha, kanas waaqefannaa waaqa tolfamaa wajjin kan wal dandeesisan.

**2:6 "Hoji warra Niqolootaas ni jibbita"** isaan Niqolonni kun eenyufaa akka turanii fi maal akka amanan tilmaamni baay'een jiru. Burqaa inni qofaan kitaabni qulqulluun burqaa keenaya Mul. 2:6, 14-15 dha. Tilmaamni kan isaan jalqaban duraan dursanii naannoo waldaa kiristaanaatti bara haraara 180 Hiriniyusii fi Hipolites akka tilmaamanitti isaan HoE.6:5 kan filaman "torbanuu" tokko maqaan isaa Niqolaas duuka buutota qaba ture kan jedhuun. Kun walumaa galatti qabatama hin qabu. Iriniyuus, kitaba isaa keessatti mormitoota faallaa amantaa , 3:11:7, akka tilmaamuu isaan kan Siriyaan Ginostisim duuka buutota turan, kan jaarraa lammaffaa. Iyusibuus, kitaaba isaa keessatti seenaa waldaa kiristaana, 3:29:1, akka qabu, gareen addaa kun baay'ee hin ture.

2:14-15, barumsa Bala'aamii fi barumsa Niqolotaa wal fakkaataa dha. Hundee jechaa wal fakkaataa walitti dhufeenyi maqoota isaani gidduu jira, Girikiin, hiiki isaas "mo'aa" fi "saba" (maqaa hiika Niqoodimoos wajjin baay'ee kan walfakkaatu). Wanta ifaa ta'een lamaanuu amantootni waaqefannaa waaqa tolfamaa seera irratti akka hirmaatan jajjabeessaa turan, innis kan waaqefannaa gocha ejjaa kan of keessatti qabatu. Miira kanaan warri Niqoolotaa fi warri biyya lafaa (Lak.. 25:1-9, 31:16-18) baay'ee wal fakkaataa dha, barumsa Elzaabeel wajjin (cf. 2:20).

**2:7 "Haafurri qulqulluun waldaa kiristaanaatiin kan inni jedhu kan gurra qabu ha dhaga'u"** of eegachiissi kun waldaa kiristaanaa torbaniif xalayootni irra deddeebi'aamaniiru (cf. 2.7, 11, 17, 29, 3:6, 13,22)innis gaalee

sagalee Yesuus irraa ba'eedha (Mat.. 11:15, 13:9, 43). Jireenyi hafuuraa sammunis harkaanis deebii argachuutu irra jira. Kunis jecha Ibirootaa shema, wajjin walfakkaata dha, "dhageeffadhu akka gootuuf" (Kes.. 5:1, 6:4, 9:1, 20:3, 27:9-10).

▣ **"Waldawwan kiristaanaa"** mata duree adda 1:4 irratti ilaalaa.

▣ **"Kan mo'uu isaaf"** itti fufiinsa kan qabuu cimsi barumsa hafuuraa sabrii amantootaa irra jira (cf. 2:7, 11, 17, 25-26, 3:4-5, 11-12, 21). Jijjiramni gochaa sirriin kan raga ti (Mat.. 24:13, Gal. 6:9)! Joonaatan Ediwardis akka jedhu "kan fillatamuu mirkaneeffannaa amansiisaan hanga dhumaatti yoo jabaatee dha." W. T.Kooneer akka jedhutti, "fayyinaaf namni fillatamee fayyina, bara baruummaa hundumaa irraa hojii fi yaada Waaqayyooti, inni gahanam haala amantii keessa, amantiinis kan obsuu fi kan mo'uu." Mata duree addaa 2:2 irratti ilaali.

▣ "**Ganata Waaqayyoo kan jiruu mukaa jireenyaa irraa akka nyaattuuf siifan kenna"** kun kan deeb Ganati eeruu dha, (Uma. 2:9), namootni Waaqayyoo irraa fi ganata kan jiran bineensaa wajjin firooma akka jalqaban, akkasumas haala wal fakkaataa ta'een kitaabni qulqulluun ni ga'a (Isa. 11:6-9, Mul. 22:2, 24:19).

"Ganata" jechi jedhuu jecha Faariis yoo ta'uu kan abbaa lafaa siidaa bakka magaarisa muduraa argisiisa, innis saptuwajentiidhaan faayida irra kan oole Edeen Ganati hiikuudhaaf (His. 28:13, 31:8). Innis baay'ee keessa ifa kan eeru isa tokkoofa dha bara Masihiitiif, innis waldoota kiristaanaa torban ergawwan hundumaa irra kan jiru.

"Ganata" jechi jedhuu bifa lamaan faayida irra kan oole: (1) Luqaas 23:4 innis kan inni eeru kan si'ool/Gahanam kutaa qajeelootaati (1:8 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali). Yesuus hattuu qalbi jijjiratee guyyaa sana isaa wajjin achi akka ta'uu itti himeera (Yesus guyyoota 40 gara samiiti ol hin deebine, Yohaannis 20:17) fi (2)2Qor. 12:3, kan inni argisiisu kan Waaqayyoo argamuu dha, kan Waaqayyo kutaa teessoo samii ("samii sadaffaa").

Waaqayyo fakkeenyaa fi bifa isaatti ilma namaa uumame kayyoo inni qabuu (Uma. 1:26-27), yeroo hundumaa jireenya bara baraati. Uumama. 3 irratti kan jiru kufaatii fi hafteen isaa sanada kitaaba qulqulluu, Waaqayyoo mucaa namaatiif kan inni qabuu oolchuu fi tokkummaan bara baraa isaa wajji akka jiraachuu dha. Kun addunyaa kufee kun guutummaa tokkumichaa gidduu banaa jiruu fedha Waaqayyoo miti, soodachiisu mucaa namaati malee. Waaqayyo uumama isaa kaayyoo isaatti deebisa.

## MUL'ATA: 2:8-11

**8Gara ergamaa waldaa Simiirnaaatti, ergamaan kun isa duraa fi isa boodee, isa du'ee, deebi'ee jiraatee biraa dhufee, jedhi caafii" 9 Ergichi, "Rakkina si irra gahee, hiyyuma kee, hamaa si irrati dubbachuu warra Yihudootaa osoo hin ta'in, Yihudoota ofiin jedhanis ani beeka. Ati garuu sooressa, warri Yihudoota ofiin jedhan sun immoo walga'ii seexanaa ti. 10 Dhiphina isa sitti dhufuuf jiru hin soodatiin! Kunoo, seexanni akka isin qoramtanii ilaalamtaniif, isiin keessaa kaan mana hidhaatti akka galfamtan gochuuf jedha, guyyaa kudhaniif rakkina argachuuf jiru, du'a yoo sitti fide iyyuu,atti hamma du'aatti amanamaa ta'ii! Ani immoo gonfoo ittiin jireenya argatansi siifan kenna.11"Namni gurra qabu isa hafuurri qulqulluun waldaa kristaanatin jedhu haa dhaga'u! 'Innimo'u du'aisa lammaffaadhaan hin miidhamu"' kan jedhuu dha.**

**2:8 "Isa fuulduraas isa boodaas"** kun kan Yesuus irra deddeebi'ee waamuu keessaa isa tokkoo dha, 1:17 fi 22:13 irratti kan argamuu. Ka'umsa isaa inni kan inni argisiisu Yaahiwwee dha (Isa. 41:4, 44:6, 48:12). Innis "alfaa fi oomeegaan ana" gaalee jedhuu wajjin wal fakkaataa dha (cf. 1:8, 21:6, 27:13) fi "kan jalqabaa fi kan dhumaa" (cf. 21:6, 22:13). 1:8 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.
▣ **"Du'ee kan turee, jiraataa kan kan ta'e"** kun waaqefannaa uumamaa kan Sayibilii dha'uudhaaf ta'uu danda'a, waaqa tolfmaa haadhaa. Baay'een isaanii amantaa wal baayyisuu durii ilaalchi isaanii kan isaan irratti hundeessan seer-luga kan ta'ee uumama tibbaa, ganna du'aa, fi birraan immoo dhaloota irratti. Qabiyyee bareefama isaatiin kun kan wajjin deemu mana barumsa afuuraatiin 1:18 iraa, 5:6 wajjinii dha, achittis Yesuus hoolaa qalamee kan ta'e, amma garuu kan ta'ee. Kunnis cimsa kan itti laatuu Yesuus al tokko tokkoo yeroo dhumaatiif jijjirama inni godhe du'aa fi du'aa ka'uu isaatii (Ibi. 7:27, 9:12, 28, 10:10).

**2:9 “Rakkina keetii fi hiyyumaa keen an beeka”** isaan kun jecha Girikii jabaatanii dha. Isaan faayida qabeessa. Magaalaan Samarnes sooretti waan turteef. Waldaan kiristaanaa hiyyetti kan turteef dhugaan isaa kan inni fakkaatuu rakkoo qabeenyaa isheetti kan argisiisu ta’a. Innis haala barumsa afuuraatiin gahaa dha, akka macaafa mul’ataatti amantootni rakkina “dhiphina” kan isaan fudhatan warra hin amannee fi isa hamaa irraati, warri hin amanne garuu kan dhiphatan “dheekamsa Waaqayyo” dha. 7:14 irratti yaadannoo jiru guutuu ilaali. Amantiitni yeroo hundumaa ni eegamuu (mallateefamaniiruu , 7:2 irratti mata duree addaa ilaali) murtii afuuraa.

## Mata duree addaa:Rakkina

Garagarummaa xin-waaqummaa qabaachuu barbaachiisa, Phaawulosiin fayyadamni jecha kanaa (thlipsis) gidduu fi Yohannisiti.

A. Fayyadamni Phaawulos (kan isaa fayyadama Yesus kan callaqisiisu)
  1. Rakkinoota, rakkina, inni hamaan addunyaa kufee kan galee
     a. Maati 13:21
     b. Roomee 5:3
     c. 1 Qoro 7:28
     d. 2 Qoro 7:4
     e. Efe 3:13
  2. Rakkinoota, dhiphinoota, rakkinoota, warra in amaneen kan uumaman
     a. Roomee 5:3, 8:35, 12:2
     b. 2 Qoro 1:4-8, 6:4, 7:4, 8:2, 13
     c. Efe 3:13
     d. Filli 4:14
     e. 1 Teso 1:6
     f. 2 Teso 1:4
  3. Rakkinootaa, dhiphinootaa, hamaa bara dhumaa
     a. Mati 24:21, 29
     b. Maari 13:19, 24
     c. 2 Teso 1:6-9

B. Fayyadama Yohannis
  1. Yohannis garagarummaa murtaa’aa godheera, THLIPSIS fi ORG yookaan THUMOS (dheekamsa) giddutti mul’ata irratti. THLIPSIS kan in amaniin kan amanan irratti kan isaan godhan yemmuu ta’uu, akkasumas immoo ORG fi THLIMOS Waaqayyoo warra in amane irratti kan inni godhuu dha.
     a. *thlipsis*–mul’ata 1:9, 2:9-10, 22, 7:14
     b. *org*ê –Mulata 6:16-17, 11:18, 16:19, 19:15
     c. *thumos* –Mulata 12:12, 14:8, 10, 19, 15:2, 7, 16:1, 18:3
  2. Yohannis immoo wangeellicha irratti sagallee isaa fayyadameera, amantootni baroota giddutti rakkina isaan mudatu callaqisiisuu fi Yohaa 16:33.

▣ **“(Garuu ati soorettii dha)”** amantootni Kristoosiin dhaabbachuu isaanitiin safartuu biyya lafaatiin murteessuu hin danda’an (Mat. 6:33).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV,** | **“Arabsoo”** |
| **NRSB, NJB** | **“Jecha yelasiisaa”** |
| **TEV** | **“Sirratti kan dubbataman wantoota hamoo”** |

Kun akkuma jirutti “arabsoo” jecha jedhuu dha, innis hiika kakuu moofaa kan qabu, “oduu hamaa dubbachuu” kan jedhu, innis yeroo hundumaa faayida irra kan ooluu Yaahiwwee jechaan waraanuu wajjin kan qabatee dha “Leewwota 24:13-23). Kakuu moofaa keessatti yeroo lama “Eebbisuu” barak) kan jedhu jechi arabsoo wal fakkaatuun kan jedhuun faayida irra ooleera (1Mot 21:10, 13). Haala qabiyyee barreefama isaatiin isaan amantaan Yihudootaa kun akka Waaqayyoon beekan cimsa itti laata (“Waaqayyoon ni eebbisu”), garuu akkas miti (Mat. 7:21-23).

▣ **"Yihudoota osoo hin ta'iin Yihudii dha kan ofiin jedhan"** gaalee wal fakkaataa ta'ee 3:9 irratti faayida irra ooleera, kunnis dhugumatti sanyii isaanitiin Yihudii kan ta'an nu saba Waaqayyootti kan jedhan garuu kan hin ta'iini dha (Yoha. 8:44, Roome. 2:28-29, Gala. 3:29, 6:16). Hoji ergamootaa irraa fi Galaatiyaa irraa akka beeknutti Yihudoonni mormii guddaa kaasaniiru labsii wangeelaa irratti (HoE. 13:50, 14:2, 5, 19, 17:5).

Mul'ata 2:13 akka jedhutti kun kan inni argisiisuu seera waaqa tolfamaa amantaa naanoo Konsiliyaa jedhamee kan waamamuu, kunnis, kiristaanoonni Qeesaariin (Gooftaa" akka jedhanii fi isaaf waggatti al tokkoo qumbii akka isaaf haarsan kan gaaffatuu dha.

▣ **"Makuuraabii seexanaa"** Yohannis addunyaa kan inni ilaaluu qulqulleessee wal bira qabuudhaan,Waaqayyoo yookaan seexana. Seexanii (mata duree addaa: seexana 12:3 irratti ilaali) macaafa isaa irrati irra deddeebi'ee eereera (cf. 2:9, 13, 3:9, 12:9, 10, 20:2, 7). Inni maqaa amantootaa baleessa, warra ari'atanis ni cimsa. Kun addunyaa afuuraa irratti kan jiru wal bira qabuu yookaan kan hin jijjiraamne amala barreefama Apokilaptikiiti. Laphee ijoollee Addaamii fi sammuu isaanii to'achuu irratti lolli jira.

**2:10 "Hin sodaatiin"** kun kan giddu galeesssa ammaa yookaan si'aawaa kan hin taanee (kan mikanneessuu) xiyyaafataa dha, keeyata al-ta'aa wajjin innis yeroo hundumaa hiiki isaa duraan dursee gocha adeemsa irra jiru dhaabuu dha. waldaan kiristaanaa kun sodaateetti. Ari'atamni mallattoo fayyina isaanitif eebba Waaqayyoo ture (Mat. 5:10-12).

▣ **"Seexanni isaan keessaa tokko tokkoo mana hidhaatti gatuudhaaf"** geggeessaa namaa isa hamaa boodaan uumamaa ol kan ta'e inni humna jabina qaamaa laata (Efo. 6:10-19).

Jechi seexana jedhu calaltuu kakuu moofaatiif labsii dha. Inni gocha Waaqni isaaf laatee kan fincillee, filannoo dhuunfaa irratti kan xiyyaafate ijoollee namaatiif kennu, achi irraas qormaataa fi yeroo kennanifitti komachuu dha (Uuma 3, Iyoob 1-2, Zakka. 3) kakuu moofaatti jabinni isa hamaa jira. Seexanni kan uumamee akka tajaajilaatti ture gara diinummaatti jijjirame (barnootni afuuraa kakuu moofaa A. B. David San. Fuula 300-306).

Inni dhugumatti tilmaama, baay'ee fakkiduu kan ta'ee qooqa Isaayas 14, kallattiidhaan kan ilaalatuu oftuula kan ta'ee mooticha Baabiloon, Hisqeel 28, mooticha Xiiroos of tuulaa sana, ga'umsa isaa irratti kan ilaalatuu of tuulummaa afuuraatii fi kufaatii seexanaati. Kan Hisqeel 28 qooqi isaa kan fudhatamee labsii ganata Eeden irraati. Namummaa, kan seenaa, mooti waaqa tolfamaa, jechi Waaqummaa Eeden irraa kan fudhatamee ibsa isaa fudhachuudhaaf ni rakkisa (Uumama. 3). Ta'us, Hisqeel humna wal fakkaataa kana mootii Gibxii fi boqonnaa 31 irratti godha. Innis Edeen Ganatiin akka muka guddaatti ibseera.

Amantootni hundumtuu odeefannoo dabalataa barbaadu, keessumatti waa'ee Waaqayyoo, ergamaa, iddoo itti argama isa hamaa. Damaqoo ta'uun nurraa eegama, fakkidudhaaf kan raajii ibsa isaa gara anatuu beekaa barumsa afuuraatti akka hin jijjire. Baayinaan barumsa afuuraa ammayyaa kan dhufuu adda kan ta'an irraa, barreefama fakkiduu irraati, yaad-rimee amayyaa wajjin waliin makuudhaan, lamanuu kan barumsa afuuraas ta'e kan barreefamaa (Daantee fi Miilten).

Kakuu haaraatti daabiloos jedhamee waamama (cf. 12:19, 12, 20:2-10), kunis wal makaa jecha Girikii kan ta'e hiiki isaas "achi gatuu", "maqaa baleessuu" yookaan "komii dhi'eesuu" dha. kunnis dabalataan kan inni calaqisiisuu hoji komachuu isaatii fi qoruu isaati. Jechi kun mul'ata irraa Zakka. 12:9, 20:2 wajjin wal fakkeenya qaba. Mata duree addaa: kan qaamaa haama 12:9 irratti ilaali.

▣ **"Akka qoramtaniif"** jechichi faayidaa irra kan oole bifa lamaan (1)amantootni kan isaan qoraman amantaa isaanii dhugaa argisiisuuf akkasumas jabaadhaa akka guddataniif cf. 2:10, HoE 14:27, Roome 5:3-4, 8:17-19, Ibi. 5:8, Yaqo. 1:2-4, 1Phexi.4:12-19) fi (2)warra hin amaniin kan isaan qoraman amanuu dhabuu isaanii argisiisuuf, akkasumas murtiin akka isaaniif ta'u (cf. 3:10). Mul'ata irratti qormaati kirristaanaa "dhiphina" jedhamee (mata duree addaa: 2:9 irratti ilaali), warri hin amanne garuu "dheekamsa Waaqayyoo" jala ta'u.

Jecha Girikii lama kan hiikaman "qormaata," "yaalii," yookaan "qormaata". Inni tokkoffaan hiiki inni qabaatu "badiisaaf hiika inni qabaatuu dha kan jedhu ilaalcha" (peirasmos, peirasmo). Jechooni kan biroon (dokimos, dokimazo) faayida irra kan oolan hiiki isaa "gara qulqullaa'utti qormaata ittiin nama ga'uu kan jedhu

ilaalcha”. Seexanni balleessuuf yaalaa, Waaqayyo jabeessuuf qora (1Tas. 2:4, 1Phex 1:7, Uma.22:1, Bau.16:4, 20:20, kes. 8:2, 16, 13:3, Abo.2:22, 2Sen.32:31). Mata duree addaa 2:2 irratti ilaali.

▣ **“Guyyoota kudhan”** “guyyoota kudhan” gaalee jedhu irratti tilmaamni heeddun jiru:

1. Warri tokko tokko akka jedhanitti kan inni ilaalatu akkuma jirutti kan guyyaa kudhanii ari’atama, magaalaa Samirnesitti yeroo Yohannisitti
2. Kan biroon kan jedhan lakkoofsi kudhan lakkoofsa guutuu ta’uu isaa irraa kan ta’e inni akkas kan jedhu lakkoofsa guutuu ta’ee ari’atama guyyootaati
3. Warri tokko tokkoo kan jedhan inni kan inni argisiisu rakkoo yeroo adda addaati

Yeroo gaariidhaa fi daangaa kan qabu ta’uu isaati. Rakkinichi ni ga’a!

Ta’us, macaafni Apokalptiki tokkoon isaa illee raawwatee dhugaa ta’uu hin danda’u, lakkoofsi isaa fakkiduunis yookaan jechaa jechaatti akkuma jirutti faayida irra oolchuu isaanitiin. Lakkoofsi isaa kakuu haaraa fi kakuu keessa macaafa qulqulluu Apokilaptikii og-barruu irratti hiika bakbuusaatiin yeroo baay’ee faayida irra yoo oole, tarii fakkiduu ta’uu danda’a. baay’ee irra deddeebi’ee faayida irra kan oolan lakkoofsi bakka buusuu 3, 4, 6, 7, 10, 12 fi baayisuu isaan kanaati (mata duree addaa:1:4 irratti ilaali).

▣ **“Amma du’aatti amanamaa ta’I”** kun kan giddugaleessa yeroo ammaa yookiin yookaan si’aawaa kan hin taanee (kan mikanneessuu) xiyaafataa yeroo ta’uu, innis cimina kan laatuu amantootni amantiidhaan akka itti fufanii dha, du’ii qaamaa illee yoo ta’e (Mat 2:13, 12:11, 10:22, 24:13, Luqa. 12:4, Galaa. 6:9). Amantootni tokko tokkoo durattis ta’e ammas ni ajjeefamu. Kun olaantummaa Waaqayyoof addunyaa kufee irraa kan nurra ga’u yeroo dhaga’aan dhugaa kan hin fakkaanee garuu dhugaa kan ta’e (paradoksi) .

▣ **“Gonfoo jireenyaan sii kenna”** kun gonfoo warra mo’aniti “stephanos” (1Qoro. 9:25). Innis aarsaa ta’uu kiristaanootaatiif badhaasa isaaniti. Seena waldaa kiristaanaa Iyusibis irraa 4:15 akka baranutti, aarsaa kan ta’an heeddun akka jirani dha, Phaaphaasii Semirnesuun Paalikiraptiin dabalate. Gonfoo biraan (badhaasa) akkasumas jiru kakuu haaraa keessatti kan eeraman (2Xim. 4:8, Yaq. 1:12, 1Phexi. 5:4, Mul’a.3:11).

Yohaannis jecha kana kan ittiin fayyadamu jireenyaaf, *zoē*፣ jireenya bara baraa argisiisuudhaaf jireenya du’aa ka’uu (Yoha. 1:4, 3:15, 36, 4:14, 36, 5:24, 26, 29, 39, 40, 6:27, 33, 35, 40, 47, 48, 51, 53, 54, 63, 68, 8:12, 10:10, 28, 11:25, 12:25, 50, 14:6, 17:2, 3, 20:31, Mula. 2:7, 10, 3:5, 13:8, 17:8, 20:12, 15, 21:6, 27, 22:1, 2, 14, 17, 19). Jireenyi dhugaan le’ii foonii irra caala!

## Mata duree addaa: Sadarkaa badhaasaatii fi adaba

A. Waaqayyoodhaaf sirrii kan ta’ee fi sirrii kan hin taane deebii kennu kan irratti hunda’ee beekumsa irratti. Beekumsa xinnoo kan qabu, deebii xinnoo qaba. Faallaan isaa immoo dhugaa dha
B. Waaqayyoon beekuun karaa hundee qabeessa lama dhufa
   1. Uumama (Faarfannaa 19, Roomee 1-2)
   2. Sagallee isaa (Faarfannaa 19:119 wangeela)
C. Raga Kakuu Moofaa
   1. Badhaasawwaan
      a. Seera uumama 15:1 (yeroo baay’ee kan wajjin adeemu badhaasa biyya lafaa wajjin, lafii fi ijoolleen dhiiraa)
      b. Seera keessa deebii 27-28 (kakuudhaa aboomamuun eebba fida)
      c. Daani’eel 12:3
   2. Adaba
      a. Keessaa deebii 27-28 (kakuu aboomamuu dhiisuun abarsaa fida)
   3. Kan Kakuu Moofaa dameen badhaasaa kan dhuunfaa, tolli kakuu fooya’eera, sababa cubbuu namaatiif. Fooya’iinsi kun Iyoobii fi Faarfaannaa 73 irratti in mul’ata, Kakuu Haaraan xiiyaafannoo isaa biyya lafa kana irraa gara itti fufuutti naanneeseera (lallaba gaaraa Maati 5:7).
D. Ragaa Kakuu Haaraa
   1. Badhaasawwaan (fayyina irraa yoo deebii’ee)

a. Maariqoos 9:41
b. Maatihos 5:12, 46, 6:1-4, 5-6, 6-18, 10:41-42, 16:27, 25:14-23
c. Luqaas 6:23, 35, 19:11-19, 25-26

2. Adaba
a. Maariqoos 12:38-40
b. Luqaas 10:12, 12:47-48, 19:20-24, 20:47
c. Maatihos 5:22, 29, 30, 7:19, 5:15, 28, 11:22-24, 13:49-50, 18:6, 25:14-30
d. Yaaqoob 3:1

E. Anaafi fakkii kan kennu kan danda'uu Opeeraa irraati. Baacoo Opeeraa irratti argamee hin beeku, kanaafis gaargaaruu hin danda'u. Rakkisummaa isaatii fi mariyaa isaa, qooqa isaa fi dhiichisa isaa caalaatti amman hubadhu, qophee isaa caalaatti nan ajaa'ibsiifa dha. Mootummaa Waaqaatti xoofoon keenya akka guutuu nan amana, haa ta'uu malee tajaajillii keenya biyya lafaa hanga xoofichaa waan murteessuu natti fakkaata.

Waan ta'eef, beekumsafi deebii waa'ee beekumsa sanaa bu'aan isaa badhaasaa fi adaba (Mat 16:7, 1 Qor 3:8, 14 9:17,18 Gal6:7,2 Xim 4:14). Geggessuun Afuraa jira- kan facaafne hamna! Namooti tokko tokko baay'ee facaasuu kanaafi baay'ee haamuu (Maati 13:8, 23).

F. "Gonfoo tolaa" kan keenya, hojiin Yesus Kristoosiin raawwatamee (2 Ximoo 4:8), haa ta'uu malee "gonfoo jireenyaa" kan inni ittiin wal qabatuu rakkina keessatti kan cimanii dha (Yaaqoob 1:12, Mul'ata 2:10, 3:10-11). "Gonfoo ulfinaa" geggeesitoota kiristaanaatiif, tooftaa jireenya isaanii wajjin kan wal

qabatee, (1 Phexi 5:1-4). Phaawulosi gonfoo hin badne akka qabu beekeera, garuu cimaa kan ta'ee mataa isaa to'achuu shaakaleera (1 Qoro 9:24-27).

Dhoksaan jireenya kiristaanaa, wangeellii guutuu guutuutti bilisaa fi , hojii Kristoosiin raawwatamee ta'uu isaati, haa ta'uu malee Kristoosiin kan ta'ee kennaa Waaqayyootiif deebii akka laanuu hundumaa nuyis dirqamatti jireenya kiristaanaatii fi aboo Waaqayyootii fi deebii kennuutu nurra jiraata. Jireenyi kiristaanaa uumamaa oli, kan akka fayyinaa, ta'uus nuyi dirqamatti fudhachuu fi qabachuutuu nurra jiraata. Bilisi garuu hundumtuu gatiin kan itti baafamee Ayaa'oo (Paraadoos) kan badhaasaa fi kan facaasuu/haamuu dhoksaa dha.

Hojii gaariidhaan hin fayyine garuu waa'ee hojii gaarii (Efeson 2:8-10). Hojii gaariin akka isa arganne ragaadha (Maati 7). Hojiin namaa naannoo fayyinaatti gara badiisaatti geggeesu, jireenyi gaariin, innis fayyina keessa kan made garuu in badhaafama.

**2:11 "Inni mo'u"** kunnis immoo of eegannoo irra deddeebi'eedha waa'ee amanamummaa (cf. 2:7, 17, 26, 3:5, 12, 21, 21:7). Inni dhugumatti cimsa obsaati (mata duree addaa: 2:2 ilaali).

▣ **"Du'a lamaffaan hin midhamu"** kun caasefama dacha al-ta'aa dha gocha si'awaa kan hin taane ta'uu kan danda'u wajjin, innis kunuunsa Waaqayyoo isa dhumaa argisiisa, aarsaa kan ta'an (cf. 12:11). "Du'a lamaffaa" si'oliin argisiisa (mata duree addaa 1:8 irratti ilaali) yookaan firooma Waaqayyoo irraa bara baraan adda ba'u (Mul'ata 20:6, 14, 21:8).

▣ **"Gurra kan qabu ha dhaga'u"** kun of eegachiisa irra deddeebi'adha, xiyyaafannoo hafuuraatiif hubannoo ( cf. 2:7, 11, 17, 29, 3:6, 13, 22, 13:9).

## MUL'ATA 2:12-17

**12 "Gara ergamaa Waldaa Phergamoonitti, ergaan kun isa billa qara qabeessa gara lamaan qaramee qabu sana biraa dhufee jedhi caafi.! 13Ergichi, "ani iddoo atti jirtuu beeka, inni lafa teessoo seexanaati, ati garuu maqaa koo jabeesitee qabatee malee, gara Atiiphaas dhuga baatuuun koo amanmaankoos isin giddutti iddoo seexani jiraatu sanatti ajjeefame iyyuu, anatti amanuu kee hin gane, 14 garuu wanta muurasa sirratti argadheera, namoota warra barsiisa Bala'amitti qabamanii jiran achi qabd. Baalaq ijoollee Isiraa'eel dura gufuu kaa'ee, qalma Waaqayyoolli tolfamaniif dhi'aate akka nyaataniif gaalamootummaatti akka jiraatan gochuu Bala'aamtu barsiise ture. 15Akkasumas immoo barsiisa warra Niqoolawootaatii qabamanii wara jiran qabda. 16Ammas yaada garaa kee geeddaradhu! Kana yoo gochuu dhaa baatee garuu, ani dafee sitti nan dhufa, jara sanas billaa afaan koo keessaa ba'uun nan lola. 17 "Namni gurra qabuu isa hafuurri qulqulluun waldoota kiristaanaatiin jedhu ha dhaga'uu! Isa mo'uuf**

**‘mana dhokataa sana keessa nan kennaaf dhagaa callaqisaa maqan haaraan irratti caafamee tokko nan kennaaf, maqichis isa fudhatu sana irraa kan hafee namni tokko illee hin beeku’” kan jedhu dha.**

**2:12 “Kara lamaan kan qaramee bilaa qara qabeessa”** kun waabii fal fakkaataa dha, isa ulfaataa Yesuusiif, 1:16 irratti kan argamu innis Yaahiwweedhaaf fakkiduu kakuu moofaa ture (Isaa. 11:4, 49:2). Innis kakuu haaraatti faayida irra kan ooluu sagaleen Waaqayyoo humna keessa lixuu qabaachuu isaati (cf. 2:16, 2Tas. 2:8, Ibi. 4:12).

**2:13 “Bakka jireenya kee nan beeka”** “jiraachuu” tokkumaa kakuu moofaatti “dhaabataatti wali wajjin jiraachuu” dha. Amantootni sun cimaa kan ta’ee kan waldaa naannoo kan mootumaa fi dhiibbaan seexanaa isaan mudateera. Yesuus isaaniif kan isaan keessa jiran haala ulfaataa sana beekeera. Achuma isaani wajjin ture.

▣ **“Teessoon seexanaa bakka jiru”** hedduun kan hiika gaalee wal qabataa qabaatu:

1. Inns isa guddaa teessoo Zewusin kan ilaalatu ta’a, Phergamoon kan ture.
2. Innis fayyisuu waaqa tolfamaa ta’a, Askilipi’oos, mallattoon isaa bofa kan ture.
3. Innis magaalaa guutuu akka teessoo guddaatti fudhatamee ta’a, sababa, innis faana dhibbaatama kan mataa isaa magaalaa irraa ol dhaabatee kan ture.
4. Innis Konsiliyaa irraa kan waabefate ta’a, dhaaba biyyoleessaa irraa wwaqefannaa baba’lisuuf, innis Phergamoonitti baay’ee cimaa ture. Haala qabiyyee seenaatiin

lakkoofsi 1 yookaan lakkoofsi 4 waan wayyu fakkaata.

▣ **“Maqaa koos ni eegda”** kun gocha ammaa kan argisiisuu dha. kan inni argisiisuuf faayidaa maqaa isaati yeroo ta’uu, amala nama dhuunfaa sana akka bakka bu’uu dha. Amantootni kan amanan maqaa isaa waamuudhaan (Yoha. 1:12, 3:18, Roome 10:9-13) kanaaf maqaa isaa waamuudhaan waaqessuu (Uma.4:26, 12:8, 26:25) fi maqaa isaa waamuudhaan jabaachuudhaan (Yoha. 17:11-12).

## Mata duree addaa:Maqaa Gooftaa

Kun kan baratamee gaalee Kakuu Haarayeroo ta’u innis Waaqa sadan tokkoo “Sillaasse” qaamni waldaan kiristaanaa argamuu isaatii fi humna damaqaa ta’uu isaa argisiisa. Kunnis humna moortuu miti, haa ta’uu malee amala Waaqayyoo kan hubachiisuu dha.

Gaaleen kun yeroo hundumaa kan argisiisuu Yesus gooftaa akka ta’ee dha (Filliphisuus 2:11)

1 Inni tokkoo Yesus irratti amantaa qabuu yeroo cuuphaatti kan labsuu (Roomee 10:9-13, Hojii ergamootaa 2:38, 8:12, 16, 10:48, 19:5, 22:16, I Qorontos 1:13, 15, Yaaqoob 2:7)
2 Haafura hamaatti yeroo bilisa ba’u (Maatihos 7:22, Maariqoos 9:38, Luqaas 9:49, 10:17, Hojii ergamootaa 19:13)
3 Yeroo fayyinaatti (Hojii ergamoota 3:6, 16, 4:10, 9:34, Yaaqoob 5:14)
4 Yeroo tajaajilaatti( Maatihos 10:42, 18:5, Luqaas 9:48
5 Yeroo seera waldaa kiristaanaatti (Maatihos 18:15-20)
6 Yeroo hormootaatti lallaban (Luqaas 24:47, Hojii ergamootaa 9:15, 15:17, Roomee 1:5)
7 Yeroo kadhataa (Yohannis 14:13-14, 15:2, 16, 16:23, I Qorontos 1:2)
8 Karaa waabii kiristaanummaa (hojii ergamoota 26:9, I Qorontos 1:10, 2 Ximootihoos 2:19, Yaaqoob 2:7, 1 Pheexiroos 4:14

Wantoota kammiin iyyuu akka labsii himaatti, tajaajiloota, gargaartoota, fayyisoota, hafuuroota hamoota warra baasan yookiis baastootaa itti fufa yoo taanee kan nuyii goonu amala isaatiin humna isaatiin, kennuu isaatiin, maqaa isaatiin.

▣ **“Amantaa koo hin ganne”** gochaan kun kan giddu galeessaa kan mirkaneessu kan argisiisuu dha. Kristaanummaa bara durii kanaan, amma illee hawaasa tokko tokko keessatti qormatni qabatamaan jira, qabeenya

isa tokkoo yookaan jireenya oolfachuuf amantaa kiristoositti qabu ganuudhaan, fooniin yookaan yeroo adeemsa murtiitti. Waldaan kristaanaa yeroo hundumaa wal'aansoo qabdi ganuu kana akkamitti qabachuun akka irra jiru.

## Mata duree addaa: Amanti (PISTIS [Maqaa], PISTUO: [gochama], PISTOS [adeessa])

A. Kun macaafa qulqulluu keessatti jecha faayidaa qabuu dha (Ibi. 11:1, 6). Innis lalaba Yesuus isa duraa kan wal qabatuu dha (Maari. 1:15). Yoo xiqqaateekakuu lama kan guutuu haal-duree turan:qalbi jijjiranaa fi amantaa (cf. 1:15, HoE. 3:16, 19, 20:21).

B. Hiiki hundee jechaa isaa
   1. "Amanti" jechi jedhu hiika kuu moofaatti amanamummaa, amanamaa, yookaan kan amanamanii dha, akkasumas amalli Waaqayyo kan ibsuu dha, kan keenya osoo hin ta'in.
   2. Innis kan dhufe jecha Ibirootaa irraa 9emun, emunah, BDB 53) dha, hiiki isaas "dhugaatti yookaan kan jabaatee" ta'uu jechuu dha. Amantaan fayyisuu wali galuu samuuti (walitti qabama dhugaa), jireenya safuu (akkaatee jireenya) dha, walitti dhufeenya dursuun, (nama simachuudhan) fi fedhiidhaan kennuu (murtoo) nama sanaaf.

C. Akkaataan fayyadama kakuu moofaa
   cimsi dirqamatti itti kennamuu kan qabuu amantaan Abirahaam Masihi dhufu irratti hin ture, ha ta'uu malee, abdii Waaqayyo irratti, innis mucaadhaaf sanyii akka qabaatuu (Uma. 12:2, 15:2-5, 17:4-8, 18:14). Abrahaam abdii kanaaf deebii kan latee Waaqayyoon amanuudhaan. Inni sichi shakkii fi rakkoowwan biraa waa'ee abdii kanaatiif qabaata, raawwachuufis waggaa kudha sadi kan itti fudhatu. Ta'us, raawwataa kan hin taane amantiin isaa Waaqayyoodhaan fudhatama argateera Waaqayyo mudaa kan qabu dhala namaa wajjin hojjechuudhaaf hiyyamamaa ta'eeraa, isaaf abdii isaatiif amantiidhaan deebii kan taananiif, hanga ija sanaaficaa illee yoo taate (Mat. 17:20).

D. Akkaataan fayyadama kakuu haaraa
   "Ni amane" jechi jedhu jecha Giriki (pisteuÔ) dha. innis immoo "amanu" "amantaa" yookaan "amanachuu" jedhamee hiikamuu kan danda'u. Fakkeenyaaf, maqaan isaa Wangeela Yohaannis irratti hin argamne, gochamni isaa garuu yeroo hundumaa faayida irra ooleeera. Yohaannis 2:23-25 irratti qajeelaa kan ta'e mirkanneefachuu dhabuun jira, gara kutannoo sabaa irratti, Yesuus nama Naazireetiin akka Masihiitti fudhachuu irratti. Kan biraan sirri kan hin taanee "amantaa" jechi jedhuu akkaataan fayyadama isaa Yoha. 8:31-59 fi HoE. 8:13, 18-24 irratti argama. Inni dhugaan amantaan macaafa qulqulluu ka'umsuma irraa deebiin ol ka'a. innis adeemsa duuka buutuutiin duukaa bu'uutu nurra jiraata (Mat. 13:20-22, 31-32).

E. Walingaa wajjin kan inni qabuu akkaataa fayyadamaa
   1. Eis jechuun "ol" jechuu dha. kun caasefama addaa cimsa kan laatuu amantooni amantaa isaanii/amanachuu isaanii/amantaa isaanii Yesuus irra akka godhatani dha
      a. Maqaa isaati (Yoha.. 1:12, 2:23, 3:18, 1Yoha. 5:13)
      b. Isaan (Yohannis 2:11, 3:15,18, 4:39, 6:40, 7:5, 31, 39, 48, 8:30, 9:36, 10:42, 11:45, 48, 17:37, 42, Mat. 18:6, HoE. 10:43, Fill.. 1:29, 1Phexi.1:8)
      c. Anatti (Yoha. 6:35, 7:38, 11:25, 26, 12:44, 46, 14:1, 12, 16:9, 17:20)
      d. Ilmaan (Yoha. 3:36, 9:35, 1Yohannis 5:10)
      e. Yesuus (Yoha. 12:11, HoE. 19:4, Gala. 2:16)
      f. Ifaan (Yoha. 12:36)
      g. Waaqayyoodhaan ((Yoha.14:1)
   2. en jechuun keessatti "keessatti" jechu dha akka Yohannis 3:15, Maariqos 1:15, HoE. 5:14
   3. epi jechuun "keessa" yookaan "gararaa" jechuu dha, kan akka Mat. 27:42, HoE. 9:42, 11:17, 16:31, 22:19, Roome 4:5 24, 9:33, 10:11, 1Xim. 1:16, 1Phexi 2:6
   4. Maqaa wajjin kan wal qabatee dha, walinga tokko malee galaatiyaa 3:6, HoE.18:8, 27:25, 1Yoha.3:23, 5:10
   5. hoti, hiiki isaas "kan amanaman" maal akka amanan qabiyyee laata
      a. yesuus qulqulluu abbaati (Yoha. 6:69)
      b. Yesuus kan jiruu fi kan jiraatuu dha (Yoha. 8:24)
      c. Yesuus abbaa keessa jiraata abbaan Yesuus keessa jiraata (Yoha. 10:38)
      d. Yesuus Masihii dha (Yoha. 11:27, 20:31)

e. Yesuus ilma Waaqayyooti (Yoha. 11:27, 20:31)
f. Yesuus abbaadhaan ergame (Yoha. 11:42, 17:8, 21)
g. Yesuus abbaa wajjin kan jiruu dha (Yoha. 14:10-11)
h. Yesuus abbaa biraa dhufee (Yoha. 16:27, 30)
i. Yesuus ofii isaa kakuu maqaa abbaatiin mul'iseera. "Ana" (Yoha. 8:24, 13:19)
j. Isaa wajjin jiraanna (Roome. 6:8)
k. Yesuus du'ee lammaffaa ka'eera (1Tas 4:14)

▣ **"Axiphaas dhuga baatu koo"** kanaaf namicha waan beeknu tokko illee hin qabnu. Maqaan kennameef Kristoosiif kan kenname wajjin wal fakkaata, 5:1 irratti. "Dhuga baatuu" jechu jedhu "aarsaa" ta'uu danda'a (cf. 11:3, 17:6). Turturiyaan kan inni jedhu Anxiphaas  disti naasi foon itti waadan irratti waadameera kun garuu dubii himtee duuba irra dhufee dha.

**2:14 "Kanan ceepha'uu si irratti xiqqoo qaba"** Yesuus ibsa al-ta'aa qaba, waldoota kiristaanaa torban keessa jahaaf. Jireenya tolaa bakka tokko tokkootti, kan biroo biratti sababa cubuuf ta'uu hin danda'u!

▣ **"Akkasuma barumsi Niqolawiyaa kan akka kanaa namoonni eegan si wajjin immoo jiru"** addunyaa irratti raajiin Waaqayyoo tureera (Lak.24:2) ijoollee Israa'eeliin mormuudhaaf kan biroo gargaaruudhaaf kan kaka'e (Lak 22-25 fi 31:16). Innis lamaanuu kakuu moofaa fi kakuu haaraadhaan ceepha'ameera (Lak. 31:16, 2Phexi 2:15, Yihu. 11).

Afaan Ibirootaatiin Bala'am kan jedhuu maqaan hiiki isaa "mo'icha saba" jechuu ta'a, maqaan Niqoliyaa jedhuu immoo Girikiidhaan wal fakkeenya qaba (Niqodimoos kan jedhuu irraa Yoha. 3 hiika wal fakkaataa qaba). Kunnis isaan gosoota lamaan kana gargar qooda, shaakala isaani safu-maleessa ta'een (cf. Elzabeel 2:20).

▣ **"Ijoolle Israa'eel fuula duratti gufuu ka'uudhaaf Baalaqi kan barsiisee barumsa Bala'aam kan eegan"** Balaa'am
Baalaqii fi, mootii Mohabiif yaadi inni dhi'eesse, ijooleen Israa'eel waaqefannaa wal baayisuutiin akka hirmaatan ture (Lak. 25:1-3). Itti fufeenya kan qabuu qormaata aadaatu ture, waaqefannaa jaarra tokkooffaa, waaqefannaa galamootummaa.

## Maata duree addaa: Israa'el  (maqaa isaa)

I. Hiika maqaa isaatii murteessuun ni rakkisa  (BDB 975).
   A. *El* isa bara baraa
   B. *El* isa bara baraa  (akkaataa dhiibbaa uumuu)
   C. *El* isa eegu
   D. *El* wal'aansoo ni qaba
   E. *El* ni uuma
   F. Innis Waaqayyoon wal'aansoo qabeera  (See. Uuma. 32:28)
II. Akkaataa Kakuu Moofaa keessatti itti fayyadamame
   A. Maqaan Yaaqoob  (butaa, koome-qabaa, BDB 784, See. Uuma. 25:26) laga Yabooq birratti erga Waaqayyoon wal'aansoo qabe booda jijjiirame  (See. Uuma. 32:22-32; See. Ba'uu 32:13). Maqaan Warra Ibrootaan moggaafamu hiikni isaa yeroo maraa hundee jechaan osoo hin taane  (32:28), sagalee hordofee ti. Maqaan isaas Israa'el ta'eera  (Fakkeenyaaf, See. Uuma. 35:10).
   B. Innis gosoota kudha-lamaaniif maqaa walii gala ta'ee jira  (Fakkeenyaaf, See. Uuma. 32:32; 49:16; See. Ba'uu 1:7; 4:22; 28:11; See. Kees. Deeb. 3:18; 10:6).
   C. Innis saba gosoota kudha-lamaan irraa argamu argisiisa, Ba'uu fuula duraa  (See. Uuma. 47:27; See. Ba'uu 4:22; 5:2) fi booda  (See. Kees. Deeb. 1:1; 18:6; 33:10).
   D. Bulchiinsa Saa'ol, Daawwitii, fi Solomoon booda gosootni kun gargar hiramaniiru, bara bulchinsa Rehobiyaam  (1Moot. 12).
      1. Adda-addummaan kan eegale, mul'inatti gargar hiramuun dura  (Fakkeenyaaf, 2Saamu. 3:10; 5:5;

20:1; 24:9; I Moot. 1:35; 4:20)
2. Gosootni warri kaabaa kan isaan beekaman, hanga Samaariyaan Sooriyaa harkatti kuftutti, Dhaloota Kiristoosiin dura bara 722 (2Moot. 17).

E. Yihudaa keessatti bakkeen muraasatti fayidaa kenne (Fakkeenyaaf, Isaay. 1; Miilk 1:15-16).
F. Ari'atama Sooriyaa fi Baabiloon booddee, ammas sanyii Yaaqoobiif maqaa walii gala ta'eera (Fakkeenyaaf, Isaay. 17:7, 9; Erm. 2:4; 50:17, 19).
G. h. Garaagarummaa Lubootaa fi amantoota gidduu jiru addaan baasuudhaaf (1See. Baraa 9:2; Izr. 10:25; Nahi. 11:3).

▣ **"Waaqa tolfamaaf kan qalamee akka nyaataniif akka ejjan"** isaan cubbuun lamaan kun shaakala waaqefannaa waaqa tolfamaa of keessatti qabata (Seera. Lakk. 25:1-3 fi 31:16). Achi irraas nyaata waaqa tolfamaa qofaaf hin ture, waaqa tolfamaaf aarsaan kan godhame (1Qoro. 8:1-13). Garuu immoo irra deddeebi'ee xuraawummaan ejjaa kan baratamee fi kan eegamuu seera waaqefannaa ture. Hawaasa waaqa tolfamaa kanaa. Wal qunqmtiin saalaa namootaa kan hirii, kan waqtillee, fi fayyumaa hawaasichaatii fi wal horuun barbaachiisaa ta'ee fudhatama ture.

**2:15 "Akkasuma barumsi warra Niqolawootaa namoonni waan akka kanaa eegan si waajjinis jiru"** Bala'aamiif barumsa warra Niqoliyaa gidduu wal fakkaachuun jiru (cf. 2:6), fi Elzabeel (cf. 2:20) isaan kun sadan isaanii kan isaan argisiisan waaqa tolfamaa, shaakala waaqefannaa galaamotaati. Amantooni gara aadaa waaqa tolfamaatti gara duubaatti deebi'uu yookaan wal danda'uu irra hin jiraatu.

**2:16 "Kanaaf qalbii jijjiradhu"** 2:5 irratti yaadannoo jiru ilaali..

▣ **"Kana ta'uu yoo baate arifadheen sitti dhufa, billaa afaan koo keessaa ba'uun isinan waraana"** kun kan gocha ammaa irratti xiyyafatuu dha.kan itti fufu cimsa qaba, qalbi jijjirachuu kan ilaalate (cf. 2:5, 16, 22, 3:3, 19). Kan dhufuu kan inni argisiisu waldaa kiristaanaa irratti kan ta'u murti yeroo yookaan lamaffaa dhufu Kristoos, biyya lafaa irratti murtiidhaaf. Faayidaa kan qabuu waldaan kristaanaa guutumaatti qalbii jijjiranaadhaaf waamamu isheeti (cf. 3:20, 2Sen. 7:14) sababa cubbuu namoota tokko tokkootiif, isaan yoo hin goone arkifatni isaa adaba wali galaati, mata duree addaa: raawatanii deebi'uu 1:2 irratti ilaali.

**2:17 "Isaaf maanna dhokataan kennaaf"** maannan kennaa sammuun ol ta'ee dha, ijoollee Israa'eelif, ijoollee Israa'eeliif lafa honaa keessa jooraa yeroo tureetti Ba'uu 16:14-15, 31 Faru 78:17-33 keessumatti lakk. 24). Yaad-rimee heedduun tarreefameera, gaalee dhoksaa kanaa hiikuudhaaf

1. Inni kan inni argisiisuu taaboota kakuu isaati, iddoo dhokkatee Ermiyasiin kan ba'e, gaara Naabal irraa (2Maqabiyaa 2:4-8)) okkotee manna sababa qabateef (Ba'uu 16:32-34, Ibi. 9:4)
2. Innis bara tolaa haaraa nyaata kan eeru ta'u danda'a (2Baarook 29:8).

Sirrii isaa kan inni argisiisu sirritti hin beeknu, ha ta'uu malee kan afuura bara haaraa eeruu dha, Kristoosiin ka eebbifame. Warri tokko tokko caalaatti kan isaan cimsa itti laatan, Yoha.6:31-35 kan ka'ee, manaan dhokkate kun mataan isaa Kristoosiin kan argisiisuu dha. kunnis fakkeenya gaarii dha kan macaafa kanaa hiik adda ta'ee tarreessuun ammam rakkisaa akka ta'ee, isas bara santti kan dhageefatuu gochuu kan danda'uu, ha ta'uu malee waabiin isaa sirriin kan bade.

▣ **"Dhagaa adiis nan kennaaf"** dhagaan kun, immoo Tessera jedhamee waamama, akkasumas baha dhi'oo durii heeddutti faayidaa qaba.

1. Innis hafeeraa adda ta'ee fi kan ittiin seenaan tikeetidhaaf faayida irra oole ta'a
2. Innis murtii firdii dhumaatii fi sagaleee faayida irra oolee ta'uu danda'a
3. Innis abbaa mo'iichaaf mallattoo mo'iichaaf faayida irra oolee ta'uu danda'a
4. Innis garbi bilisummaa ba'uu isaa argisiisuuf faayidaa irra oolee ta'uu danda'a.

Qabiyyee barreefama kanaatiin lakkoofsi tokko kan wayyu fakkaata, afeeraa Masihichaa eereuudhaaf (barreefama Apokolaptikii Yihudiitti qabataamaa barratamee dha).

▣ **“Dhagicha irratti kan fudhatee ala tokko illee kan beeku kan hin jire maqaa haaraan barreeffameera”** maqaa haaraan kun kan isa haaraa bara tolaa ta’uu danda’a, yookaajn kan Masihiin ittiin waamamu (Isaa. 56:5, 62:2, 65:15 mata duree addaa Masihii 1:1 irratti ilaali). Maqaa haaraan kun macaafa Mul’ataa irratti irra deddebi’amee eerameera (cf. 3:12, 14:1, 19:12, 13, 16, 22:4).

## MUL'ATA: 2:18-29

**18 “Gara ergamaa waldaa Tiyaatiraatti ‘ergaan kun, kan ilma Waaqayyoo isa ija akka barbaadaa abbidaa qabu, isa miilli isaa akka siibila diima isa boola ibbidaa keessatti baqfamee ifu ta’eeti’ jedhi caafii! 19Ergichi, “ani hojii kee, jaalala, kee amantii kee, warra kaan gargaaruudhaaf of kennukee, obsaan danda’uu kee hojiin kee inni booddee kanaa immoo isa duraa irra caaluu isaas beeka. 20Garuu dubartitti Izaabeel jedhamtu, ishee ‘ani raajii dha ofiin jettee barsiisftuu, ishee hojjetootni koos gaalamootummaatti akka jiraatan, qalma waaqayyollii tolfamaniif dhi’aate akka nyaataniif walaalchiisa jirtuu, calumma jettee dhiisuu kee kana si irratti argadheera. 21Ani yaada garaa ishee akka geeddaratuuf yeroo kenneefiin ture, isheen garuu gaabbitee gaalamootummaa isheetti deebi’uu hin barbaanne. 22Kunoo, ani akka isheen dhukkubsatee sirree irra ciiftuu nan godha, warra ishee wajjin ejjan immoo gaabbanii hojii ishee irraa yoo deebi’uudhaa baatan rakkina guddaa keessa isaan nan buusa. 23Ijoollee ishees dha’ichaan nan ajjeessa, kanaanis waldootni kristaanaa hundinnu, inni yaada nama fi garaa namaa fonqolchuu ana ta’uu isaa beekuuf jiru. Ani  immoo ;tokkoon tokkoon keessaniif akka hojii isaatitii kennufan jira. 24 “Tiyaatiraa keessa, warri haftan immoo, barsiisa kanatti warri hin qabamiin isa warri kaan, dhoksa seexanaa isa gadi fagoo dha jedhanis warri hin bariin, bahaa kan biraa isin irra ni kaa’uu, isiniin nan jedha. 25 Isa qabdan garuu amman dhufutti jabeessaati qabadhaa! 26 Nama mo’uuf isa hojii koo amma dhumaatti eegatee hojjetufis, saba hin amanne baay’ee irratti aboo nan kennaaf. 27 Inni siiqee sibilaatiin saba sana ni tiksa, akka qodaa suphees isaan ni hurreessa. 28 Akkuma ani abbaa koo biraa aboo fudhadhees bakalcha barii nama sanaaf nan kenna. 29 Namni gurra qabu, isa hafuurrri qulqulluun waldoota kiristaanaatiin jedhu ha dhaga’uu” kan jedhuu dha**

**2:18 “Mucaa Waaqayyoo”** Yesuun akka “ilma” eeruun baay’ee kan baratamee dha. Baay’ee kan baratamee maqaan fakkiiduu kanaa “mucaa namaa” ture, innis Yesuus ofi isaatiif kan inni fillate maqaa dha. Jechi biraan “mucaa Waaqayyoo” ture, innis kan baratamee maqaa Yesuus, barreeefama Yohaannnis keessatti (Yoha. 1:34, 49, 5:25, 9:35, 10:36, 11:4, 27, 19:7, 20:31, 1Yoha. 3:8, 4:15, 5:5, 10, 12, 13, 20). Tokko sadaffaan “kan ilmaa” fayyadamni isaa macaafa Ibirootaa irratti argama (cf.1:2, 3:6, 5:8, 7:28) achittis Yesuus tajaajilaa wajjin wal madaalchisuudhaan kan itti mul’atee (jechuun, Musee, Raajoota). Inni miseensa maatii guutuu dha, abbaa wajjin.

Kun boqonnaa 1 irratti kan jiran gaalee ibsaa keessaa tokko miti. Jechi kun, akkuma “durbi ni deessi” barreesitoota kakuu haaraatiin xiqqoo dha faayida irra kan oole, tarii dhageefatoota waaqa tolfamaatiin walin dha’amee hubachuu ta’uu danda’a, isaanis akkuam sanaan jecha kanaa fayyadama mataa isaaniitiif waaqa tolfmaadhaaf waan oolchaniif. Waaqa tolfamaa Hoomeerii waaqa tolfamaa dubartii namootaa wajjin quunamtii saala ni raawwatu turan, sanyii addaa dhaluudhaan.

## Mata duree addaa:Ilma Waaqayyoo

kun Yesuusiif maqaa waamichaa kakuu haaraa isa guddaa fi isa tokkoo dha. Innis dhugumatti hiika afuuraa qaba. Innis Yesuusiin “akka mucaatti” yookaan “mucaa koo” of keessatti dabalata, Waaqayyoof akka “abbaatti” ibsama. Innis kakuu haaraa yeroo 124 oli mul’ateera. Kan Yesuus mataa isaa “mucaa namaa” jechuun illee hiika afuuraa qaba Daani. 7:13-13.

kakuu moofaatti “ilma” kan jedhuumaqaan waamiichaa kun garee adda ta’an afur argisiisa.

1. Ergamaa (yeroo heedduu lakkoofsa baay’eedhaaf Uma. 6:2, Iyob 1;6, 2:1)
2. Mooti Israa’eel (2Samu. 7:14, Faru. 2:7, 89:26-27)
3. Saba Israa’eel akka wali galaatti (Bau 4:22-23, Kes.14:1, Hoose. 11:1, Milki. 2:10)
4. Abbaa firdii Israa’eelootaa (Faru. 82:6)

Fayyadama isa lammaffaa dha kan Yesuus wajjin wal qabate. Bifa kanaan “ilma Daawiit” fi “mucaa Waaqayyoo” lamanuu wali wajjin deemu, 2Sam. 7, Faru 2 fi 89 wajjin.kakuu moofaatti “ilma Waaqayyoo”  adda ba’ee raawwatee Masihiidhaaf raawatee faayidaa irra hin oole, akka bara dhumaatti mooti yoo hin taane irraa kan hafe, akka Israa’elitti “kan muudaman abbaan aboo” tokko tokkoo. Ta’us, wali gala garba diimaa kan Masihii tokuummaa kan qaban maqooti kan baratamanii dha (waabiin adda ta’ee, kamn Yesuusii fi galmee jechaa

wangeelaa, fuula 770 ilaali). Akkasumas "mucaa Waaqayyoo" Masihiin kan ittiin waamamuu dha, kan lamanuu macaafa qulqulluu kan Yihudootaa hoji Apokilaptikii (2Isdiraas 7:28, 13:32, 37, 52, 14:9 fi 1Heenook 105:2).

Duubessi kakuu haaraa Yesuusiif kan inni argisiisuu bifa faaya'een walitti qabame, rammadii tokko tokkoon.

1. Dursa le'ii isaatiif (Yoha. 1:1-18)
2. Kan addaa (kan durbaa) dhalooti isaa (Mat. 1:23, Luq.. 1:31-35)
3. Cuuphaan isaa (Mat. 3:17, Mar. 1:11, Luq. 3:22 sagaleen Waaqayyoo samii irraa bittaa mootummaa isaa irraa, Faru 2 irratti kan jiru rakkina kan fudhate tajaajilichaa wajjin Isaa. 53 kan jiru tokko godha).
4. Qormaati seexanaa (Mat. 4:1-11, Mar. 1:12, 13, Mar. 1:12, 13, Luq. 4:1-13. Ilmummaa isaa akka shakkuu qorameera, yookaan yoo xiqqaatee kaayyoo isaa fannoo irraa kara adda ta'een akka gonfatuu).
5. Mirkaneeffachuun isaa karaa fudhatama hin qabneen qalbi kan jijjiratan
   a. Seexana (Mari. 1:23-25, Luq. 4:31-37, 41, Mari. 3:11-12, 5:7)
   b. Warra hin amaniin (Mat. 27:43, Mari. 14:61, Yoha. 19:7)
6. Ergamoota isaatiin mirkaneefamuu isaa
   a. Maattehos 14:33, 16:16
   b. Yohaannis 1:34, 49, 6:69, 11:27
7. Kan dhuunfaa mataa isaan kan mirkanaa'ee
   a. Maattehos 11:25-27
   b. Yohannis 10:36,
8. Kan isaa fakkiiduu maatii Waaqayyo akka abbaatti fayyadamuu isaa
   a. Waaqayyoodhaaf "abbaa" fayyadamuu isaa
      1. Maariqos 14:36
      2. Roome 8:15
      3. Galaatiya 4:6
   b. Irra deddeebi'ee fayyadama abbaa (*pat'ēr*) hafuura wajjin wajjin walitti dhufeenya ibsuudhaaf

Guduunfuudhaaf, "mucaa Waaqayyoo" maqaan jedhuu hiika hafuuraa guddaa qaba, kakuu moofaa fi abdii isaa fi ramaddii isaa kan beekan, garuu barreesitootni kakuu haaraa hormoota wajjin akkaataa isaan itti fayyadaman ni jeeqama, duubessa waaqa tolfamaa bifa qabuun "waaqa tolfamaa" jechuudhaan dubartoota sana fudhatee "Tiitaan" yookaan "isa guddaa" waldaawal kan jedhu.

⊡ **"Akka arba ibiddaa kan ta'an ija kan qabuu biraashoon kan qulla'ee naasii diimatee kan fakkaatan miila kan qabu"** kun maqaa Yesuus kan biraa dha 1:14, 15 irraa kan fudhatame. Innis Daani'eel 10:6 waabii yeroo ta'u kan inni argisiisuus bakka teessoo samii Yesuusiti. Innis Tiyaxirooni wajjin wal qabatee faayidaa irra ooluu isaa, magaalattiin hoji naasiitiin beekamtuu waan turteef ta'u danda'a.

**2:19** Lakkoofsichi Yesuus amantoota Tiyaaxirooniif tajaajila kan laateef beekamti ta'u danda'a. Isaan hojii mootummaa isaati damaqoo turan, damaqiinsa isaaniitiin dabalaa kan deeman. Ta'us mirkaneeffannaan kun lakkoofsa 20 irraatti kan jiru manaafiqummaa hin ambifne.

**2:20 "Ta'us garuu, ani raajiidha kan jettu garbootni koo akka halalooma fi waaqa tolfamaaf kan qalame akka nyaatan kan barsiiftuuf fi kan doggorsitu dubartiitti sana Elzabeeliin waan dhiifteef waan si ceepha'uu sirratti arga dherra."** kun waabii dha, 1Mot.16:31-33, 2Mot.9:21-22 yoo jiraatte Elzaabeel. Aleeksanderiyaan (MSS A) "hiraanfadhu" kan jedhu Elzaabeel duratti ni dabala, innis tokkummaadhaan haadhi manaa soortuu waldaa kiristaanaa kanaa yookaan damaqaa geggeessaa waldaa kiristaanaa ta'uu kan dandeessu. Kun garuu tilmaamaa caluma jedheeti. Barsiisi ishee (cf. lak. 20 C) Balaa'ami wajjin wal fakkaata lakk. 14B fi Niqoliyaa lakk. 15.

Elzaabeel dubbartii raajii waan turteef hin dhiifne. Fakkeenyi macaafa qulqulluu heeddun ni jiraatu, geggeesitoota dubartii gaariif.

1. Maarihaam, Ba'uu 15:20
2. Dibooraa, Abboota Firdii 4:4
3. Huldaa'ii, 2Mootota 22:14
4. Haannaa, Luqaas 2:36
5. Ijoollee dubaraa Filiphoos, HoE. 21:9

6. Foobee, Roome 16:1

## MATA DUREE ADDAA: DUBARTOOTA WANGEELA KEESSATTI

I. KAKUU MOOFAA KEESSATTI
   A. Aadaadhuma ta'ee dubartoonni akka qabeenyaatti ilaalamu
      1. Akka qabeenyaatti lakkaa'amu (Ba'u 20:17)
      2. Akka garbaatti hacuucaman (Ba'u 21:7-11)
      3. Dubartootaaf waggaadhaa akka Itti gaafatamummaa hawaasaa fudhata kakuu
      4. Dubartoota akka gargaartota Lola keessatti tajaajila (Lakk. 30).
   B. Gochaan immoo milchaattotadha
      1. Dhiirris, dhalaanis bifa Waaqayyootii uumaman (Uma. 1:26-27)
      2. Abbaa keef haadha kee kabaji (Ba'u 20:12, Kees. 5:16)
      3. Abbaa keef haadha kee kabaji (s.Lew 19:3; 20:9)
      4. Dhiironni, durboonnis Naazireetota (Raajota) ni ta'u (S.Lakk. 6:1-2)
      5. Dubartoonni mirga dhaaltummaa ni qabu (S.Lakk. 27:1-11)
      6. Qaama Namoota kakuuti (S.Kees. 29:10-12)
      7. Barsiisa Abbaa kee fi haadha kee hubadhu (Fak. 1:8; 6:20).
      8. Dhiironnii fi Dubartoonni Hemaan (Maatii lewwii) Mana quqlullummaa keessatti gaggeessitoota Farn turani (1Seen 25:5-6).
   C. Dubartoota ga'ee gaggeessummaa keessatti
      1. Obboleettiin Musee, Miiriyaam, Raajii jedhamteetti (Ba'u 15:20-21; akkasumas yaadannoo Miiki 6:4).
      2. Dubartoonni mi'a mana quqlullummaa akka hojjetaniif kennaa Waaqayyo irraa fudhatanii eeganiiru (Ba'u. 35:25-26)
      3. Dubartiin Dibooraa jedhamtu Raajummaan gaggeessiteetti (cf. Abo. 4:4-5, 5:7).
      4. Huldah, Ishee Motichi Iyyaasuun, Macaafa Seeraa haaraa argame akka isheen dubbistee hiiktu taasise, Raajii taatee gaggeessifeetti (cf. 2Mot. 22:14; 2Seen. 34:22-27).
      5. Mootittiin Asteer, dubartiin filatamtuun sun, peershiyaa keessatti Yihudoota oolchiteetti.

II. KAKUU HAARAA KEESSATTI
   A. Gama aadaatiin Judizimii fi Giriikoo-Roomaa keessatti, Dubartonni akka lammiilee sadarka a 2 kanneen mirga xiqqoo qaban keessatti ramadamu (Meesoodooniyaa qofatu akkas hin turre).
   B. Dubartoota ga'ee geggeessummaa keessatti
      1. Elzaabeetii fi Maariyaam, dubartoota Waaqayyoot jiraatan (Luq. 1-2)
      2. Hannaa, dubartii amantii, mana quqlullummaa keessa tajaajilaa turte (Luq. 2:26).
      3. Liidiyaa, Amantuu fi gaggeessituu mandar kadhataa (HoE 16:14,40).
      4. Dubartoota Filiphisiyus Arfan Rajaii turan (HoE 21:8-9)
      5. Feebeen, Daagonii waldaa Senkriyaa (Rom. 16:7).
      6. Piriska (piriskitla) Phaawuloos wajjiin kan hojjechaa turtee fi barsiistuu Apoloos (HoE 18:26,Rom. 16:3).
      7. Maariyaam, tiriifeenaa, tirifoosaa, Persis, Juliyaa, Obboleettii Mareyus, Dubartoota Phaawuloos waliin hojjetan danuu (Rom. 16:6-16).
      8. Juniya (KJV) Dubartii ergamtuu ta'uu dandeesse (Rom. 16:7).
      9. Iyuudiyaa fi Siintakee (syntyche) warra Phaawuloos waliin hojjechaa turan (Filip 4:2-3).

III. Amantoonni bara kanaa fakkeenya wangeelaa kana akkamitti madaalu?
   A. Namni tokko dhugaa karaa seenaa fi dhugaa karaa aadaa jiru akkamitti kan jalqaba haala barreeffamaa ta'e qofaan dhugaa bara baraa waldaalee hundaafuu dhugaa ta'e irraa, amantoota baroota hundaatti, murteessuu danda'a?
      1. Yaada barreessaa jalqabaa, sirritti sadaan (Seriously) fudhachuu qabna. Wangeelli sagalee Waaqayyoo fi kan madda amantiif gcohaa ta'es isa qofa.
      2. Barreeffamoota gama seenaan ifatti kaa'aman/haaleffaman qo'achuu qabna.
         a. Kaaltasii (i.e jilaa fi qophii) Isiraa'elootaa (cf. HoE 15, Gal. 3)

b. Judisimii jaarraa 1 keessa ture
c. Seenaa Ifatti Phaawuloos 1 Qoronxoos keessatti ibse
1) sirna seera Paagaanota Roomaa (1Qor. 6).
2) Garbummaan hafuu (1Qor. 7:20-24)
3) Lubummaan (1Qor. 7:1-35)
4) Durbummaa (1Qor. 7:36-38)
5) Waaqolii tolfamoof nyaata dhiyaate (1Qor. 8; 10:23-33)
6) Gocha Irbaata gooftaa irratti ta'u (1Qor. 11).

3. Waaqayyo guyyoota adda addaatti aadaa adda addaa keessatti, Guutummaan guutuu fi ifumana ifatti ofiisaa ibsera. Mul'ata jriu fudhachuu qabna, garuu kuufama seenaa isaa mara akkuma jirutti miti. Jechi Waaqayyoo jecha namootaatiin barreeffamee, aadaa murtaa'eef, yeroo murtaa'etti kennameera.

B. Hiikaan wangeelaa, yaada tarreessaa jalqabaa fakkaachuu qaba. Baroota isaa keessatti maal jedhee ture? Kunis hiika sirrii keessatti hundeeffama jalqabaa fi kan baay'ee barbaachisaa ta'edha. Kana booda, nutis baroota keenya keessatti hojiirra oolchuu qabna. Amma asitti rakkoon gaggeessummaa dubartootaa ni jira (kan dhugaan hiikame, jecha hiikuudhaani, paastarootaan olitti eessatti hojjetu isa gaggeessaa ta'ee beekkameen olitti? Daaqononni ykn raajonni eessatti akka gaggeessaatti tajaajilu?) kan Phaawuloos 1Qor. 14:34-35 fi 1Xim. 2:9-15tti kaa'e ifa kan ta'e dubartoonni kadhannaa keessatti gaggeessuu akka hin qabne ibsa. Garuu har'a ani kana akkamittan hojiirra oolcha? Ani gama kootiin aadaa Phaawuloos kana hin barbaadu ykn fedhii fi sagalee Waaqayyoo aadaa ilaalee hin daangeessu. Bara Phaawuloos keessa baay'ee daangeeffamaa ture, garuu bara koo keessa immoo bilisaawaa ta'uu danda'a. Jechaa fi barsiisni Phaawuloos kun kan haala irratti hundaa'e ta'uu danda'a, jaarraa 1 keessa haalota naannoon wal qabatee dhugaa ta'uu danda'a. Ani eenyu kan sammuu koo ykn aadaa koo yaada barreessaa fallessusy,

Ta'uyyuu, yommuu wangeelli gaggeessummaa dubartootaaf kennu (Barreeffamoota Phaawuloos Keessattillee taanaan Rom. 16) maal gochuun qaba? Kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u ibsa Phaawuloos waliin kadhannaa 1Qor. 11-14tti kaa'dedha. 14:34-35 irratti akka isaan callisan godhuyyuu, 11-14 irratti mataa isaanii haguuggatanii akka isaan kadhatan waan eeyyame fakkaata. Daaqonoonni (Rom. 16:1) fi raajonnis (HoE 21:9) ni jiru. Kunis yaadota garaagaraa akkan yaada Phaawuloos adda baafadhaaf kan na gargaaree (akka daangaan dubartoota irra jiru) akka Qorontosii fi Efesoon keessatti daangaan jiru hubadhee. Waldaalee lamaan keessattuu, Rakkoon cimaan, dubartoonni bilisummaa haaraa isanaiif kenname hundeeffachuu keessatti ni mul'ata (cf. Bruce Winter, After Paul Left Corinth) kunis rakkoo cimaa, waldooleen akka ergaa Yesuus galmaan ga'uu irratti dhadhabdu godheera. Bilisimmaan isanaii daangeeffamuu, wangeelli ga'umsa ni qaba. Baroota koo keessatti, Phaawuloosiif faallaa ta'u, Baroota koo keessatti wangeelli yoo jeeqame ni daangeeffama, dubartonni leenji'anis wangeela lallabuuf hin eyyamamuuf, gaggeessuufis hin eeyyamamuuf! Kaayyoo cimaan kdhata waliinii maalinni? Dhuga-bu'umsaa fi duuka bu'ummaa mitii? Waaqayyoo gaggeessummaa dubartootaan ulfaachuu fi itti gammaduu danda'aa?

Guutummaan wangeelaa kanaaf deebii “eeyyee” jedhu kenna. Phaawuloosiif harka kennachuun qabaa jechuudha. Sirni barsiisa koos hundeen isaa sarara Phaawuloosiin wal qabata. Seera dubartoota Amayyaanis garmalee dhiibamuu hin qabu, ta'uyyuu, waldaa kiristiyaanaa dhugaa wangeelaa mul'ataa kanaaf deebii kennuu ni qabbaneessiti. Addunyaa ammayyaa keessatti Dhiibbaa ykn hamaan ol deemuu dubartootaas ni hir'istee ilaalti. Waaqayyo karaa Kiristoosiin Garbootaa fi dubartootas bilisa baaseera. Kanaaf haalota aadaa ilaalee dubatti isana ittisuu hin qabu. Qabxii cimaan tokko immoo; akka hiikaa tokkootti, Qoronxoos akka isheen waldaa baay'ee jeeqamtuu turte nan beka. Kennaawwan obsaa (charismatic gifte) mirkanaa'ee kennameeraaf. Dubartoonni as keessatti tarii oli qabamuu danda'u. Akkasumas Efesoon barsiisota sobaan akka jeeqamaa turte nan beeka. Kunis akka dubartoonni mandara kadhataatti, dhiifama kadhataniif carraa baneera.

C. Yaada wantoota dubbifamaniif,
*How to Read the Bible For All Its Worth* by Gordon Fee and Dougstuart (pp 61-77). *Gospel and Spirit Issues in New Testament hermeneutics* by Gordon Fee hard Saying of the Bible by Walter (C. Kaiser, Peter H.Davids, F.FBruce, and Manfred T.Branch (pp 613-616; 665-667).

**2:21** Araaraa fi obsa Waaqayyoo akkasumas qajeelummaan isaa mirkanaa'eera lakk. 21-23 (Roome 2:5).

**2:22 "Kunoo siree dhukkubaa irratti isheen gataa"** ciigoo kun ejjaa wajjin kan wal qabatee ciigoodha (waa'ee barnoota safuu malleessaa).

▣ **"Rakkina isa guddaa"** mata duree addaa: rakkinni 2:9 irratti fi bara dhumaa isa guddaa 7:14 irratti ilaali.

▣ **"Hojii ishee irraa yoo qalbi hin jijjiranne"** kun ramaddii sadaffaa haalaati, innis gara fuula duraatti gocha barbaachiisaa argisiisa garuu wantoota eegachiisaa wajjin.

**2:23 "Ijoolle ishees nan ajjeesa"** kun dubbii akkuma jirutti ijoollee ishee ilaalatu miti, duuka buutuu ishee malee (cf. 2:22, 2Yoha. Lak.1).

▣ **"Waldootni kiristaanaa naannoo hundumtuu beeku"** kun kan argisiisuu ergaan torbanuu waldoota kiristaanaa hundumaatti akka dubbifamuu fi dhugaan isaas hunduma biratti hoji irra akka oolu sana boodas ta'e ammas. "Waldaa kiristaanaatiif" mata duree addaa: 14 irratti ilaali.

▣ **"Sammuudhaa fi laphee kan qoruu ana"** macaafni qulqulluun cimsa kan laatuu Waaqayyo yaada keessa namootaa hundumaa beekuu isaati (Faru. 7:9, 26:2, 39:1, Fak. 24:12, Erm., 11:20, 17:10, Luq. 16:15, HoE. 1:24, Ibi. 4:12-13, 8:27).

## MATA DUREE ADDAA: LAPHEE

Jechi Giriikii "*kardia*" jedhu Hiika beektoota torbaatamaa fi Kakuu Haaraa keessatti, jecha Ibrootaa "*lēb*" jedhu calaqqisiisa (BDB 523). Innis Karoolee hedduun tajaajila (cf. Bauer, Arndt, Ginerich and Danker, *A Greek English Lexicon*, jedhu fuula 403-404 ilaali).

1. bakka bu'ee namaa, handhuura jireenya fooniiti (cf. HoE 14:17; 2Qor. 3:2-3; Yaq. 5:5)
2. buura jireenya afuuraati (i.e. haamilee)
    a. Waaqayyo laphee (namaa) beeka (cf. Luq. 16:15; Rom. 8:27; 1Qor. 14:25; 1Tas. 2:4; Mul. 2:23)
    b. Jireenya Afuura namaaf tajaajila (cf. mat. 15:18-19; 18:35; Rom. 6:17; 1Xim. 1:5; 2Xim. 2:22; 1Phex. 1:22)
3. bu'uura jireenya yaaduuti (i.e beekumsa, cf. Mat. 13:15; 24:48; HoE 7:23; 16:14; 28:27; Rom. 1:21; 10:6; 16:18; 2Qor. 4:6; Efe. 1:18; 4:18; Yaq. 1:26; 2Phex. 1:19; Mul. 18:7; lapheen sammuu walfakkaata, 2Qor. 3:14-15 fi fil. 4:7)
4. bu'uura tarkaanfii fudhachuuti (volition) (i.e. fedhii (will), cf. HoE 5:4; 11:23; 1Qor. 4:5; 7:37; 2Qor. 9:7)
5. bu'uura miira (cf. Mat. 5:28; HoE 2:26, 37; 7:54; 21:13; Rom. 1:24; 2Qor. 2:4; 7:3; Efe. 6:22; Fil. 1:7)
6. gochaawwan Afuuraaf bakka adda ta'edha (cf. Rom. 5:5; 2Qor. 1:22; Gal. 4:6 [i.e., Yesuus laphee keenya keessa buluu isaa, Efe. 3:17])
7. lapheen bakka bu'ee guutummaa nama tokkoo sadoomii ibsudha (cf. mat. 22:37; kan Seera Keessa Deebii 6:5 irraa fudhatame). Yaadni, kaka'umsi, fi gochoonni laphee namaan gumaatan guutummaan nama dhuufnfaa tokko ibsu. Kakuu Moofaa jecha kanaaf tajaajila adda addaa qaba.
    a. Seera Keessa Deebii 6:6; 8:21 "Waaqayyo garaa isaatti gadde" Hosea 11:8-9 irras jira
    b. Seera keessa Deebii 4:29; 6:5, "laphee keessaniifi lubbuu keessan hunda"
    c. Seera Keessa Deebii 10:16 Garaan hin kitaanamne" fi Rom. 2:29
    d. Hisq. 18:31-32 "laphee haaraa"
    **e.** Hisq. 36:26, "laphee haaraa" walsi (vs) "laphee dhagaa"

▣ **"Tokkoon tokkoon keessaniif akka hojii keessanitti isiniifan kenna"** kun dhugaa afuuraa baay'ee ifaa ta'ee Gala. 6:7 irratti dhi'aateera. Waan facaafne ni haamna. Tokkummaan geggeefama kanaa fayyinni yaalii namaatiin miti (Efe. 2:8-9), haa ta'u malee kristoosiin Waaqayyoon kan argatan namootni gaarii, jaalala, jireenya tajaajilaa qabaatu jechuu dha (cf.3:12, Mat. 25:1-46, Efe.2:10).

Kun geggeefama hafuuraati. Waaqayyoo kan naamuusaa __kan safuuti, akkuma kanaa uumama isaa. Namoonni mataa isaani kan beekan safartuu Waaqayyootiin. Waan facaafne ni haamana. Kun amantootaaf dhugaa dha (haa ta'u malee fayyina hin tuquu) fi warra hin amanneef (Iyo. 34:11, Faru. 28:4, 62:12, Fak. 24:12,

Lal. 12:14, Erm. 17:10, 32:19, Mati. 16:27, 25:31-46, Rome. 2:6, 14:12, 1Qor. 3:8, 2Qor. 5:10, Gala. 6:7-10, 1Xim. 4:14, 1Phexi. 1:17, Mul. 2:23, 20:12, 22:12).

**2:24 "Kan seexanaa wanta gadi fagoo"** gaalee kana wajjin yaad-rimee heedduun ni adeemu. Innis kan inni argisiisu

1. Eelzabeeli fi duuka buutuu ishee wajjin gaalee wal qabatee dha
2. Barsiisoota sobduu Ginoostiki, cimsa beekumsaa
3. Impayeera Roomaa Irraa dhoksaa amantii seera ka'umsa waaqefannaa
4. Raawwatee karaa faalaa ta'ee, "kan Waaqayyoo wanta gadi fagoo" (Rom. 11:33, 1Qoro. 2:10, Efe. 3:18)

▣ **"Ba'aa biraa isinitti hin fe'u"** kun amantoota dhugaadhaaf magaalaa Tiyatiroonitti mirkaneessa dha. Isaan damaqoo kan ta'an amantaa gara kuteenyaa qabu turan (cf. lakk. 19).

**2:25 "Amman dhufutti waan qabdan eegadhaa"** duuka buutuun Kristoos eeguu qabu (cf. lakk. 20) ari'atamaan, manafiqumaan, fi abdii kutachuu gidduutti. Kun aboomii dha (kan gocha xiyyaafataa ammaa). Yesuus karaara jira, yeroo dhi'ootti ni dhufa (cf. 2:16, 22:7, 20). Kun kan dhaloota hundumaa kiristaanonni abdiidhaaf jajjabina.

**2:26-27** faarfannaan kun 2:8-9 waabii dha, Isaa. 30:14 fi Ermi. 19:11 wajjin, itti dabalameera. Yesuus Masihicha mooti <u>dha</u>. Mootummaan isaa addunyaa mara irratti humnaa fi raaawwiidhaan kan dhufuu <u>dha</u>. Inni waan hundaan kan ta'u ta'a, taajajiloonni isaa yeroo ilaali!

**2:26 " Sabi isaa"** fayyadamni sagalee kanaa kakuu moofaa irraa tokkummaan isaa, inni kan inni argisiisuu kakuu Yaahiweetiin ala kan jiranii dha (adda kan ta'ee 7:9) dha. Innis gaarii kan hin qabnee , namoota hamaa argisiisuudhaaf (cf. 2:26, 5:9, 10:11, 11:2, 9, 18, 12:5, 13:7, 14:6, 8, 16:19, 17:15, 18:3, 23, 19:15, 20:8).

**2:27 "Annis abbaa koo irraa aboo akkan fudhadheeti"** Yesuus dur aboon hundumtuu kennameeraaf (Faru. 2, Mati. 28:18, Fili. 2:9-11). Mootummaan Yesuus amma, garuu hin gonfanne.

Kakuu moofaa lakk. 27 irratti kan eerame Faarfanna 2:8 dha innis ka'umsuma irraa Masihii kan argisiisu (cf. 12:5, 19:15), asitti garuu faayidaa irra kan oole amantootaaf amantaa isaanii Yesuus Kristoos irra kan ka'aataniif isaa wajjin ni bitu. Mata duree addaa: 5:10 irratti ilaali.

**2:28 "Bakalcha bariin kennaaf"** harkifataan gaalee kanaa heedduun hiikawwan qabu:

1. Inni kan inni argisiisuu fakkiduu Kristoosiiti (Mul. 22:16)
2. Inni kan inni argisiisuu Kristoos wajjin kan walitti dhi'aatee beekumsaa fi firooma (2Phexi. 1:19)
3. Inni kan inni argisiisuu du'aa ka'uu dha (Dan. 12:3)
4. Inni kan inni argisiisuu loltuu Masihii dha  Lak. 24:17 irratti kan eeramu
5. Inni kan inni argisiisuu gammachuu saba Waaqayyooti (Iyob. 38:7)
6. Inni kan inni argisiisuu seexanaaf faayidaa irra kan oole gaalee dha Isa. 14:12 irratti amma garuu Kristoosiif

**2:29** 2:7 irra kan jiru yaadannoo ilaali

## Mul'ata 3:1-6

**1 "Garaa ergamaa waldaa Saardessitti, 'Ergmaan kun isa hafuuroota Waaqayyoof hojjettan torba, urjoota torbas qabu biraa dhufe' jedhii caafii. Ergichi ani hojii kee beeka, maqaadhumaaf jiraataa dha jedhamtee nu waamamta, ati garuu du'aa dha. 2 Ka'ii, dammaqaas ta'i! wanta hafee du'uuf jedhus jabeessi! Ani fuula Waaqayyoo koo duratti hojiin kee fiixaan ba'uu isaa hin argine*. 3 Ammas wanta sitti dabarfamee akka itti fudhatee fi akka itti dhageessee yaadadhuu, eegii yaada garaakees geeddaradhu! Yoo dammaqaa ta'uudhaa baatte garuu, ani akka hattuun dhuftutti nan dhufa, yeroo ani sitti dhufus matumaa hin beektu*! 4 Haa ta'uu iyyuu malee, Saardees keessa namoota muraasa warra uffata isaanii hin xureessine jedhamanii maqaa argatan qabda. Warri kun uffata adii ufftanii anaa wajjin deddeebi'uuf jiru, isaan kanaaf warra malanii dha*. 5Nama mo'uutti akkasuma uffata adiitu uffifama, ani maqaa isaa**

**macaafa jireenyaa, isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessaa hin balleessu, abbaa koo duratti, ergamoota isaa durattis maqaa isaa waamee kankoo ta'uu isaa nan beeksiisa *. 6 "Namni gurra qabuu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kiristaanaatiin jedhuha dhaga'u!" Kn jedhuu dha.**

**3:1 "Waldaa kiristaanaa"** mata duree addaa 1:4 irratti ilaali.
▣ **"Afuuroota torban Waaqayyoo fi urjoota torban kan qaban"** gaaleen kun Kristoos isa kabajamaadhaaf waabii biraa dha (cf. 1:4, 16, 20). Urjoonni torban kan isaan argisiisan waldoota kiristaanaatiif 1:20 irra kan jiran geggeesitootaaf, urjiin torban tarii fakkiduu cinaatiin ta'u, sababai isaa 4:5 irratti isaan kan wajjin deeman baattuu ibsaa torbani wajjin ta'uu isaatiin akkasumas immoo 1:20 irratti kan eeraman, waldoota kiristaanaa kan argisiisan. Isaan kun afuurtni torban Waaqayyoo 5:6 irratti immoo eerameera, akka kutaa labsii hoolichaati mata duree addaa: hafuuroota torban 1:4 irratti ilaali.

▣ **"Hojii kee beeka"** Yesuus jabinaa fi dadhabii waldaa isaati beeka (cf. 2:2, 19, 3:1, 8, 15).

▣
**NASB, NKJV "Jiraataa ta'uu keetiif maqaa qabda"**
**NRSV "Jireenya akka qabdu maqaa qabda"**
**TEV "Jireenya akka qabutti waamamta"**
**NJB "Jireenya akka qabutti akka waamamtu"**

Kun ibsa badiisaati. Isaan kan yaadan Waaqayyo waajjin sirrii akka ta'anii dha, hafuuraan akka isa gammachiisanitti (Isa 29:13, Rom 2:19-20, Qol 2:16-23, 2xim 3:5), garuu miti!

**3:2**
**NASB, NRSV,**
**TEV, NJB "Dammaqi"**
**NKJV "Dammaqaa ta'I"**

Kun kan giddu galeessa ammaa (mirkanessaa) xiyyeeffataa dha (gocha keeyata ammaa wajjin), akkuma jirutti "haala itti fufeensa qabuun dammaqi" dha. innis lkk 2 fi 3 irratti kan argaman shanan xiyyeefataa ammaa keessaa isa tokkoodha. Yesus waldaa Kiristaanaa isaa ni ajaja, akka isheen damaqixu!

▣
**NASB,NKJV "waan hafee jiru jabeessi"**
**NRSV "waan hafe jabeessi"**
**TEV "ammayyuu waan qabdu jabeessi"**
**NJB "humna kee xiqqoo hafeen cimina xiqqoo dabali"**

Gochaan kun xiyaafataa yeroo ammaati. Isaan amma kan godhan itti fufeenyaanis gacha isaaniitiin akka itti fufan, amantii isaan du'aa jiru akka jabesan.

▣ **"Hojikee Waaqa koo duratti ga'aa ta'ee hin'arganne"** gochamni jalqabaa gocha xumurame kan argisiisuudha. Isaan namoota hafuuraa fakkatu (Isa 29:13), haa ta'u malee isaan baay'ee namoota amantaa fakkaatu Mat.7:21-23 fi Qol 2:16-23 irratti kan eeraman.

"mudaa malee" jechi jedhu ke'eta xumuramee hojii irra oole yeroo ta'u, hikisaas "kan bilchaate, mudaa malee,gocha ta'eef ga'aa kan ta'e" jechuu dha. isaan, Waaqayyo akka xumuru hi'iyamneef amantii kan jalqabe (Fili. 1.6).

**3:3 "Akkamitti akka si fudhatee fi si dhaga'ee yaadadhuu"** kun gochama yeroo ammaa irratti xiyyaafatuu dha, kan xumurame gochama kan argisiisuu fi gocha yeroo ammaa kan argisiisuu. Kun kan dhaga'aanii fi itti fufeenyaan wangeela fudhatanii wajjin walitti dhufa. Kiristaanummaan murtoo qofa miti , ta'us garuu akkaatee jireenyaati malee. Innis ergaa isaa amanuu fi namicha fudhchuu of keessatti qabata. Innis kan jijjiramee fi kan jijjiramuu bu'aa jireenya qalbi jijjiranaa qaba (gocha yeroo ammaa irratti xiyyaafatu dha lakk. 3 B) fi kanaaf aboomamuun (gocha yeroo ammaa irratti xiyyaafatuu lakk. 3B).

▣ **"Eegii"** kun gocha yeroo ammaa irratti xiyyaafatuu dha innis aboomii itti fufeenya qabuu dha.

▣ **“Qalbi jijjiradhu”** gochi kun xiyyaafaataa yeroo ammaati, qalbi jijjiranaa mudaa hin qabne kan argisiisu. 2:5 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **“Waan kana ta’eef damaquu yoo baatee garuu”** kun ramadii sadaffaa hima haalaati, kan akka 2:22. Gochi kun kan murtaa’uu fi kan inni ittiin wal qabatuu aboomii Yesuusiif deebii isaan kennani dha, garuu hin mirkanoofne.

▣ **“Akka hattuu ta’een dhufa”** kun yeroo hundumaa fayyadama irra kan ooluu deebi’ee dhufuu isaa wajjin (Mat.. 24:43-44, Luqa. 12:39-40, 1Tas. 5:2, 4, 2Phex 3:10, Mul. 16:15).ta’us qabiyyee barreefamaa kanaa irratti kan fakkaatuu kan waldaa kanaa firdii yerooti.

**3:4 “Uffata isaanii kan hin xureesinee namootni muraasi Sardeesiin”** uffata keewwachuu fi baafachuun jireenya kiristaanummaatiif akka fakkiduutti faayida irra ni oola ture (Efe. 4:22, 24, 25, 31, Qola. 3:8, 10, 12, 14, Ibi. 12:1, Yaaq. 1:21, 1Phex 2:1). Amantootni tokko tokkoo aadaa waaqa tolfamaa wajjin hin dudubatan.

▣ **“Uffata adii uffatanii naa wajjin adeemu”** uffati adiin akka bakbuusaatti kan faayidaa irra kan ooluu qulqullumaadhaa fi yookaan mo’ichaaf, lakk.4, 5, 18, 6:11, 7:9, 13-14, 19:14. “Adeemuu” jechi jedhuu yeroo hundumaa faayidaa irra kan ooluu jireenya kiristaanummaatiif (cf. 3:5, 21:24, 1Yoha. 1:6, 7. 2:6, 11, 3 Yoha. 3-4).

**3:5 “Inni mo’uu”** warra mo’annis wantoota afur kennuuf.

1. Masihii wajjin adeemu, lakk.4
2. Uffata adii uffatu
3. Maqaan isaanii galmee jireenyaa keessa hin haqamuu
4. Masihichi kan isaa akka ta’aan isaaniif dhugaa ba’aa, abbaa fi ergamoota isaa duratti

Mata duree addaa cimina (obsa) 2:2 irratti ilaali.

▣ **“Maqaa isaa galmee jireenyaa keessaa hin haqu”** kun dacha lamaa kan jabaatee al-ta’aa dha. Lammiin biyya tokkoo yeroo du’an maqaan isaanii galmee magaalatti irraa ni haqama, Waaqayyoo garuu amantoota isaa galmee isaa irraa hin haqu.

Kun gaalee fakkiduuti “macaafa jireenyaa” akkasumas immoo Mul’ata 20:12-15 irratti argama, achittis macaafni lama kan eeraman:

1. Macaafa jireenyaa innis maqaan namoota Waaqayyoo kan irra jiru (Ba’uu 32:32-33, Faru. 69:28, Isaa 4:3, Daani. 12:1, Luqaa.10:20, Filli 4:3, Ibi. 12:23, Mul’a. 13:8, 17:12, 15, 21:27)
2. Macaafa gochaa yookaan yaadannoo kan lamanuu gocha tolootaa fi hamootaa kan itti galmeefaman (Faru. 56:8, 139:16, Isaa 65:6, Mil. 3:16)

Waa’ee “macaafa” 5:1 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **“Abbaa kootii fi ergamoota isaa duratti maqaa isaa dhugaan ba’aa”** amantootni hundumtuu Kristoosiin dhugaa ba’uu (“maqaa isaa waamatu,” cf. Roomee 10:9-13), innis immoo abbaa duratti dhugaa isaaniif ba’aa (Mat.. 10:32, Luqaa. 12:8).

“Dhugaa ba’uu” jechi Girikii *exomuloge*Ô dha, innis bifa sadiin faayidaa irra oola ture:

1. Ifatti cubbuu Waaqayyotti qalbi jijjirachuun, kan biroon bakka jiranitti (Ma✝. 3:6, Maariqos 1:5, HoE. 19:18, Yaaqoob 5:16)
2. Kristoositti amantii qabnu ifatti dhugaa ba’uu (Filli. 2:1, fi Roome 14:11)
3. Waaqayyoon ifatti galateefachuu (Mati. 11;25, Luqaas. 10:21 akkasumas Roome 14:11 [Isaa. 45:23] 15:9 [Faru. 18:49])

Jecha wal cinaa Girikii homologeoÔ karaa wal fakkaataadhaan faayida irraa oolaa ture:

1. Cubbuu qalbi jijjirachuudhaaf (1Yoha. 1:9)
2. Amantii Kristoos irratti qabnuu beeksisuudhaaf (Mat.. 10:32, Luqaa. 10:32, Yoha. 9:22, [bifa alta’aan, Yoha. 1:20, 12:42])
3. Amantaa waan tokko irratti qabnu cimsuudhaaf (HoE. 23:8, 24:14, Ibi. 11:13)

## MATA DUREE ADDAA: BALEESSAA HOJJETAN AMANUU

A. Balleessaa ofii amanuu ykn dubbachuudhaaf hundee jecha Giriikii walfakkaaaa lamatu jira, *homolegeō* fi *exomologeō*. Jechi dacha Yaa'iqoob keessa jiru kan dhufe *homo* walfakkaataa, *legō*, haasa'uu, fi *ex* keessaa irratti. Hiikaan bu'uuraa waan walfakkaataa jechuu ykn wajjin walii galuu jechuudha. Ex. Inni jedhu yaada labsii hawaasaatti kan dabalamedha.

B. Hiikaan Afaan Ingili garee jecha kanaa
   1. Eebbisuu/Galateeffachuu
   2. Waliigaluu
   3. Labsuu
   4. Dubbachuu
   5. Amanuu

C. Gareen jecha kanaa faayidaa faallaa fakkaatu lama qaba ture.
   1. Galateffachuu (Waaqayyoon)
   2. Cubbuu ofii amanuu

   Kun kan madde yaada namni qulqulluummaa Waaqayyoo fi cubbamaa ta'uu isaaf qabu irraa ta'uu danda'a. Dhugaa tokko amananii fuedhachuun laachuu amananii fudhachuudha.

D. Itti fayyadamni garee jechaa kanaa Kakuu Kaaraa keessatti
   1. Waadaa galuudhaaf (cf. Mat. 14:7; HoE 7:17)
   2. Wanta tokko gochuuf walii galuu (cf. Yoh. 1:20; Luq. 22:6; HoE 24:14; Ibir. 11:13)
   3. Galateeffachuu (cf. Mat. 11:25; Luq. 10:21; Rom. 14:11; 15:19).
   4. Waliigaltee
      a. Namaa wajin (cf. Mat. 10:32; Luq. 12:8; Yoh. 9:2; 12:42; Rom. 10:9; Fil. 2:11; Mul'a 3:5)
      b. Dhugaa wajjin (cf. HoE 23:8; 2Qor. 11:13; 1Yoh. 4:2)
   5. Labsii ummataa gochuu (yaada seera-qabeessa gara amanti mirkaneessuutti guddate (cf. HoE 24:14; 1Xim. 6:13)
      a. Utuu yakka hin fudhatin (cf. Xim. 6;12; Ib. 10:23
      b. Yakka fudhatanii (cf. Mat. 3:6; HoE. 9:18; Ib. 4:14; Yaa'i. 5:16; 1Yoh. 1:9

**3:6** 2:7 irratti yaadannoo jiru ilaali.

## Mul'ata 3:7-13

**7 "GAra ergamaa waldaa Filaadelfiyaatti, 'Ergaan kun isa qulqulluu, isa dhugaa, isa banaa Daawiit of harkaa qabuu, isa wanta inni banuu namni tokko illee cufuu hin dandeenye, wanta inni cufus namni tokko illee banuu hin dandeenye sana biraa dhufe' jedhi caafi*! 8"Ergichii "Ani hojii kee beeka, ati human xinnoo qabda, garuu dubbii koo eegdeeta, mqaa koos hin ganne. Kunoo, ani balbala banamaa fuula kee dura jiru, isa namni tokko illee cufuu hin dandeenye siif kenneera*! 9 Kunoo warra walga;ii seexanaa keessaa Yihuudoota osoo hint a'in sobanii Yihudoota ofiin jedhansitti nan kenna. Kunoo isaan kun dhufanii miilla keetti akka kufan, sii jaallachuu koos akka beekan nan godha *. 10 Ati dubbi koo isa obsaan danda'uu sirraa barbaadu waan eegdeef, anis immoo yeroo qoramsii guutummaa biyya lafaa irratti namoota lafa irra jiraatan hundumaa qoruudhaaf dhufutti isa jalaa akka baatuuf sin eega. 11 Ani dafee nan dhufa, namni tokko illee gonfoo mo'ichaa isa kan keeti si duraa akka hin fudhanneetti, isa qabdu jabeessi eegadhu*! 12 Isa mo'u sana mana qulqullummaa Waaqayyo koo keessatti*. utubaa nan godha; isa keessaas matumaa hin baafamu. Maqaa Waaqayyoo kooti, maqaa mandara Waaqayyoo kooti, Yerusaaleem ishee haaraa ishee Waaqayyoo koo biraa waaqa keessaa gadi buutu, maqaa koo isa haaraas utubaa kana irratti nan caafa**

**3:7 "Qulqulluu fi dhugaa isa ta'e"**lakk. 7 kan ibsa gaalee afur yeroo ta'uu kan inni ibsuus Yesuusiin maqaa Yaahiwweetiin. "Qulqulluu" yeroo 30 Isaas irratti faayidaa irra ooleera, Yaahiwwee ibsuudhaaf. Yohaannis yeroo hundumaa "tola" jecha jedhuun bakka buusa (cf. 15:3, 16:7, 19:2). "Dhugaa" yeroo hundumaa Yaahiwweedhaaf faayidaa irra oola, (Isaa 65:16, Ermi 10:10, 1Yoha. 5:20, Mul'a 15:3, 16:7, 19:2). Kan fuulduraa lamanuu "qulqulluu" fi "isa dhugaa" irra deebi'uudhaan Waaqayyoodhaaf faayidaa irra ooleera, Mul'ata 6:10 irratti.

“Dhugaa” jechi jedhuu Girikiidhaan hiikii isaa “isa dhugaa soba murmuudhaan,” yeroo ta’uu afaan Ibirootaatiin hiiki isaa “kan amanamee yookaan amanamaa” dha. Yesuus dhuguma lamanuuti (3:14, 19:11, 21:5, 22:6).
▣ **“Furtuu Daawiti kan qabu”** kun kan mootii Masihii Daawiti kan eeruu dha, 2Samu. 7 haa ta’uu malee keessumatti kan Isaa. 22:22, bakbuusi kun bakka inni argame.

▣ **“Kan inni cufee kan banuu kan hin jiree”** kun kan inni argisiisuu lalaba wangeelaatti(lakk. 8 irratti yaadannoo jiru ilaali).

## Mata duree addaa: “Balbala” jechi jedhuu fayyadama Kakuu Haaraatti (Kakuu Haaraa)

Kakuu Haaraa “balbala” bifa adda addaatiin fayyadama.

1. Hiika akkuma jirutti
   a. Kan manaa, Mati 6:6, Maari 1:33, 2:2, 11:7, kutaa irra keessaa Yoha 20:19, 26
   b. Mana qulqullummaa Hoji.erga 3:2, 21:30
   c. Kan mana hidhaa Hoji.erg. 5:19, 3, 12:6, 16:26-27
   d. Kan awaalaa Maatii 27:60, 28:2, Maari 15:46, 16:3
   e. Kan dallaaYohaa 10:1, 2
   f. Kan mana murtii Yohaa 18:16, Hoji erg. 12:13
2. Dubbii haalaa
   a. Kan dhi’eenya yeroo Maati 24:33, Maari 13:29, Hoji.erg. 5:9, Yaaqqob 5:9
   b. Gara amantii dhugaati galudhaaf kan dhorkuu Maat 7:13-14, Luqaa 13:24, Mul’ata 3:20
   c. Amantii fayiissuu carraa balleessuu Maati 25:10, Luqaa 13:25, Mul’ata 3:7
   d. Carraa amantii fayyisuu Hoji.erg. 14:27, Mul’ata 3:7
   e. Carraa tajaajilaa 1 Qoro 16:9, 2 Qoroo 2:12, Qolaa 4:3, Mul’ata 3:8
   f. Mul’ata Mul’ata 4:1, 19:11
3. Waamicha Yesus Yohaa 10:7, 9

**3:8 “Fuula kee duratti balbala banamaa sii laadheera eenyu iyyuu hin cufu”** kun gocha xumuramee kan argisiisuu fi keeyata amma hojii irra oolee dha. kunnis kan inni argisiisuu inni tokko

1. Carraa lalabaa (Furtuwwan, Mat. 16:18)
2. Seensa gara hirbaata hoolichaa (wayya adii uffatani, cf. lakk. 4)
3. Carraa tajaajila hafuuraa (HoE 14:27, 1Qoro. 16:9, 2Qoro 2:12, Qola. 4:3)

▣ **“Humni kee xiqqoo yoo ta’ees”** kun sababawwan sadan keessaa isa jalqabaati, Yesuus balbala carraa ajaa’ibsiisaa kanaa kan inni bane. Kun waldoota kiristaanaa torban keessaa isa tokko qofa, Yesuus alta’aa tokko illee kan irratti hin dubbanne.

▣ **“Sagalee koo eegdeeta”** yeroon gochamichaa (kan gocha ammaa kan argisiisuu ) kan inni argisiisuu ari’atama yeroo muraasaa yookaan murteessaa kan ta’e gocha ajajamuuti. Isaan “amantii xiqqoo” qabu garuu gaarii godhani itti fayyadamaniiru!

▣ **“Maqaa koo hin gane”** kun tarii ari’atama ta’a, gaaffii Konsiliyaatti uumameen, waaqefannaan durii degersa naannootiin (cf. 2:13).

**3:9 “Walga’ii seexanaa keessaa tokko tokkoo”** kun tarii wangeela kan morman Yihudoota. Waldaa kiristaanaati malee Yihudootni hin amannee saba Waaqayyoo hin amanne miti.

▣ **“Dhufanii akka miila kee duratti sagadan na godha”** kun Isaayaas 45:14, 49:23, 60:14 kan eeruu dha, innis ka’umsuma irraa kan dubbatuu ormoonni gara saba Yihudootaa akka isaan dhufanii dha, ha ta’uu malee Yihudoota kana keessaa Masihicha hin simane kan jedhu irraa kan ka’e, isaan gara amantoota saba ormaa kanatti dhufani sagadu, jaalala Waaqayyoo isaaniif argisiisuuf (Isaa. 43:4, 9). Kunis fakkeenya gaarii dha kakuu haaraan walumaa galatti, akkasumas keessumatti Yohannis, waa’ee Israa’eel raajii kakuu moofaa akka fooyyessan.Yohannis barreefama sana fayyadameera, sunis ormoota yeroo jalqabaatiif kan ilaalan, gara

Yerusaaleem haarefamtetti, Yaahiwwee argisiisuudhaaf, ha ta'uu malee bara tolaa haaraatti teessumni lafaa kun fakkii siyaasaa addunyaa amannee amma of keessatti qabatuutti babal'ateera (Yihudootaa fi ormoota" Yihudoonni hin amaniin dhufani sagaduuf! Kun Isira'eeli Yerusaaleemiin kan wali gala gochuudhaaf kan inni argisiisuu, raawwii kan hin jijjiramin irraa dhugaa fagaatee akka qabuu dha, raajiin rajootaa kakuu moofaa saba Yihudootaa irra darbee jijjirameera (Efe. 2:11-3:13). Isa kana "baraaf kan dhokatee dhoksaan wangeelaa"!

**3:10**
**NASB** **"Dubbii obsa kooti waan eegdeef"**
**NKJV, NJB** **"waa'ee obsaatiif aboomii koo waan eegdeef"**
**NRSV** **"Cimina obsaan dubbii koo waan eegdeef"**
**TEV** **"Akka obsituuf aboomi koo waan eegdeef"**

Kun tarii Yohannis 8:51 yookaan 17:6 kan eeree dha. Yesuus waldaa kiristaanaa ari'atama irraa akka eeguu waada hin seene, sababi isaa waldoota kiristaanaa torbaniif ergaa barreefamaani ari'atamni , du'as dabalatee uumamuu isaatiin.

Lakkoofsi 10 kan inni argisiisuu addunyaa guutuu irratti kan ta'uu firdii Waaqayyooti, warra hin amanne irratti. "Rakkinichi" amantiidhaan amantootni obsanii fi "dheekamsa Waaqayyoo" isa kufuu biyya lafaa hin amanee giddutti garaagarumaa jiru ilaaluun wanta gudda dha.

Hiiktootni bara dhumaa raawwate kana gidduttii waldaan kiristaanaa akkam akka taatuu adda adda baasuu:

1. Warri tokko tokkoo akkaataa isaan itti ilaalan waldaan kiritaanaa kana keessa akka darbituu dha, Waaqayyoodhaan eegamaa (Yoha. 17:15)
2. Kan biroon kan isaan ilaalan yeroo kana dura waan ta'uamantootni dhoksaan butamuu isaati

Ani lakkoofsa 1n filadha. Sabni Waaqayyoo ari'atamaa fi du'a irraa hin eegamne, jaarraa muraasa jalqabaa , aadaa Girikoo-Roomeetiin yookaan ari'atamaa fi du'a itti fufeen wangeelli lakkoofsa babal'ateen akkasumas bara dhumattis kan ta'uu kan bara haara ciniinsuu rakkinaa irraa hin eegaman. Rakkinni waldaa kiristaanaa ni qulleessaa ni jajjabeessa!

Boqonnaa 2-3tti ramaddiin barreefamaa, waldaan kiristaanaa fakkeenya kan isheen fudhatu, ramaddii barrreefama mootummaa Waaqayyoo duukaa bu'a aarsaa kan ta'an namoota ijaa ba'uudhaaf kan irratti kadhatan hordofa. Kun "dheekamsa Waaqayyoo" kan inni ta'uu sadarkaa hamaadhaan (mallatoowwan ¼, fiinoo 1/3 xoofowwan- badiisa wali galaa), sadarkaa tokkoon tokkoon isaatiif kan kennameef kaayyoo warra badan gara fayyinaatti waamuuti. Dheekamsi wali galaa Waaqayyo, du'a lammaffaa, galaana abidaa, (Mul.20), sanaa asitti oolchuuf miti, ha ta'uu malee badiisi wali gala ni ta'a.

Waldaan kiristaanaa ari'atamte waldaa kiristaanaa mootuu taatii akkasumas kan hin amaniin kan ari'atan ari'atama mi'eefatu Waaqayyoo ni to'ata! Mata duree addaa obsa-2:2 irraatti ilaali.

⊡ **"Lafa irra kan jiraatan isaan qoruudhaaf"** gaaleen kun irra deddeebi'ee bakka adda addaatti faayidaa irra kan oolee warra hin amaniin kan godhamuu hameenya jabaate argisiisuudhaaf (Mul'ata 6:10, 18:13, 1:10, 12:12, 13:8, 12, 14, 17:8). Waaqayyoo qalbii akka jijjiratanii fi akka amanan barbaada (1Ximo 2:4, 2Phexi. 3:9) isaan garuu tole hin jedhan, babal'achaa kan deeme kan mallattoo isaa, kan fiinoo isaa fi kan xoofoo isaa firdii giddutti illee yoo ta'e. Mata duree addaa qormaataf jecha Girikii 2:2 irratti ilaali.

**3:11 "Arifadheen dhufa"** kun cimsa itti fufeenya qabuu dha, dhufaatiin gooftaa akka tasaa ta'uun isaa (cf. 1:1, 3, 2:16, 22:7, 12:2o). Waldaan kiristaanaa ishee durii deebii ariifachiisaa gooftaa eegde turte. Kun tokkoon tokkoon dhaloota kiristaanaatiif abdii dha. Mata duree addaa arifatee deebi'uu 1:3 irratti ilaali.

⊡**"Kan qabduu jabeessii qabadhuu"** kun gocha xiyyaafataa ammaati, hiiki isaas "jabeessitee qabuu kee itti fufi" dha, akka kan gocha xiyyaafataa ammaa 2:25 irratti kan jiru, murteessaa kan ta'ee gocha jabeessanii qabuu irratti kanxiyyaafate (mata duree addaa 2:2 irratti ilaali). Amantootni Waaqayyoodhaan akka qabaman, inni isaaniin qabama (Galaa. 6:9). Kun olaantummaa Waaqayyoo kan kakuutii fi fedhii mucaa namaa kan deebisu walitti dhufeenya!

Fayyinni murtii ka'umsaati qalbi jijjirachuudhaaf kan amantaa (Mari 1:15, HoE. 3:16, 19, 20:21) akkaatee jireenyaa kan ta'ee qalbi jijjirannaadhaa fi amantii, aboomamuu, tajaajila, fi obsa kan hordofu. Isaan kun hundumtuu kiristaanumma bilchaatee fi gahaa ta'eef barbaachiisa dha.

▣ **"Gonfoo"** kun waabii kan biraati stephanos Goonfoo, 2:10 irratti kan eerame. Innis badhaasa amanamummaadhaf ta'ee dha.

**3:12 "Inni mo'uu"** 2:2 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Mana qulqullummaa Waaqa koo keessatti utubaa akka ta'u godheera"** Filidilfiyaan bara sochiin lafaa tureetti turte, fakkiduun utubichaa kan inni dabrasuu yaad-rimee jabinaati. Maqaan lammii beekamuu utubaa mana qulqullummaa Filidifiyaa irratti barreefameera. "Mana qulqulummaa" jechi jedhu asitti (naos) yeroo ta'u "jiraachuu" gochama jedhu irraati, faayida irras kan inni ooluu iddoo argama bulti hafuuraatiif. Amantootni mo'anii naannoo Waaqayyootti raawwatanii hin dhabaman (Faru. 23:6, 27:4-6).

Fakkiduun kun ta'uu kan qabuu, sababi isaa bara haaraatti manni qulqullummaa tokko iyyuu jiraachuu dhiisuun isaa ifaa waan ta'ef (cf. 21:22).

▣ **"Maqaa Waaqa kooti isa irratti nan barreessa"** shanan isaanii "kan koo" irra dedde'ii yaadadhu lakk. 12. Kun isa ajaa'ibsiisaa Waaqayyoo dhaa wajjin walitti dhi'eenya jiru beekamtii kan laatuuf. Maqaa isaa abbummaa bakbuusa godha (cf. 7:3, 14:1, 22:4).

▣ **"Yerusaaleem ishee haaraa… maqicha isa haaraa"** mul'atni raajaa Isaayaas ni eera.

1. Wantoota haaraa 42:9, 43:19, 48:6 (mul'ata 21:5)
2. Faarffannaa haaraa 42:10 (Mul'ata 5:9, 14:3)
3. Maqaa haaraa 62:2, 65:15 (Mul'ata 2:17)
4. Samii haaraadhaa fi lafa haaraa, 65:17, 66:22 (Mul'ata 3:12, 21:1)

Yerusaaleem ishee haaraa samii irraa, akkasumas immoo Isaayaas irratti raajameera: 40:2, 9, 41:27, 44:20, 28, 52:1, 2, 9, 62:1, 6, 7, 65:18, 19, 66:10, 13, 20 (Mul'ata 21:2, 10). Innis fakkiiduu Waaqayyo saba isaa giddutti argamuuti. Raajiin kakuu moofaa walummaa galatti ta'eera. Yerusaaleem isheen haaraan Filisxeemiin kan jirtu magaalaa miti, ha ta'uu malee abdi tolaa bara haaraa kan taatee dha.

**3:13** 2:6 irratti yaadannoo jiru ilaali.

## MUL'ATA: 3:14-22

**14 "Gara ergamaa waldaa Laa'odiiqeyaatti, "Ergaa kana isa karaa isa wanti hundinuu "Ameen" jedhamu, dhuga-baatuu isa amanamaa, isa dhugaadhaaf dhugaa ba'u, isa wanti Waaqayyo uume hundinuu biraa ka'ee sanatu erge' jedhii caafi!" 15 Ergichi. "Ani hojii kee beeka, hojii kee keessatti ati buluqaa yookiis diilallaa'aa miti; ati buluqaa yookiis dilallaa'aa utuu taateeni wayya ture!16 Ati garuu bu'aa'aa dha, diilallaa'aa yookiis buluqaa waan ati hint a;uiiniif akka nama bishaan bu'aa'aa afaan isaa keessaa tufuutti, anis si tufuufan jira. 17 "Atis, 'Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru, ni jetta; ati nama gadadamaa namni ,bo'uufiin ta'u,deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu*. 18 Ani immoo akka sooromtuuf warqee qulqulluu aibiddaan ilaalame, qullaa taatee yeella'uun kee akka hin mul;annetti, uffata adiii, arguu akka dandeessuttis qoricha ijatti naqattu ana irraa akka bitattu sin gorsa*. 19 Warran jaalladhuu hundumaa balleessaa isaanii ittan mul'isa, barsiisuudhaafiis nan adaba; ammas dhimmiitii yaada garaa kee geeddaradhu*! 20 Kunoo, Anii balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balbala yoo anaaf bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maadiitti nan dhi'aadha, innis anaa wajjin ni nyaata*.21 Ani ofii kooti mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'ee, anni mo'uu anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf*. 22 "Namni gurra qabuu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhaga'u!" kan jedhuu dha.**

**3:14 "Ameen kan jedhame"** kun Yaahiwween kan itiin waamamuu kan eeruu dha, "kan ameen Waaqayyoo" Isaayas 65:16. "ameen" jechi jedhuu jecha kakuu moofaa "amnuu" yookaan "amantii" kan akka kanaati (Uuma.

15:16, Imba. 2:4). Innis yeroo hundumaa cimsa kan laatuu amanamummaa yookaan “kan amanate ta’u” dha (cf. 1:6, 2Qoro 1:20). Mata duree addaa 1:6 irratti ilaali.

▣ **“Isa amanamaadhaaf dhuga baatuu dhugaa,”** kun gaalee addaa ta’uu danda’a boqonnaa 1 (cf,. 1:5). Saptuwajentiidhaan isaan kun lamaan jildiwwan Yaahiwwee ibsuudhaaf faayidaa irra kan isaan oolan. Jechuus kan inni danda’uu emeth, innis jecha Ibirootaa “amantii” “amanuu” yookaan “amanachuu” kan ta’e kan akka pistos (kan amaname) fi al theia (dhugaa) hiikuu dha. Jechi Girikii lamaan kun yeroo hundumaa mul’inaan Yesuusiif faayidaa irra ooleera (cf. 3:14, 19:11, 21:5, 22:6).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB,NKJV** | **“Uumama Waaqayyoo jalqabaa”** |
| **NRSV** | **“Ka’umsa uumama Waaqayyoo”** |
| **TEV** | **“Waaqayyo kan uume hundumaa ka’umsa isaa”** |
| **NJB** | **“Qajeelfama uumama Waaqayyoo”** |

Kun hndumaaf kan eeruu dha Uuma 1:1 fi Yohannis 1:1. “jalbaqa” (Ibiroota, bereshith) fi “ka’umsa” (Girikii, arsh) hiika lama qabu: (1) isa jalqabaa yookaan (2)ka’umsa, burqaa.

Gaaleen kun Ariyoosiin/Atinaatihoos (kan sadan Waaqa tokkoo) jeequmsa jaarraa 4ffaatti faayida irra ooleedha, innis Fakkeenya 8:22-31 kan eeruu dha. Ogummaan jalqabaa Uumama Yaahiwwee ture, karaa ogummaatiin kan hafan hundumtuu uumama. Kun tarii kan Yohaannis “logos” ka’umsa fayyadamaa ta’uu danda’a, wangeela isaa irratti (Yohannis 1:1). Kun isa tokkooffaa dubbifama jabaa dha Kristooosiin dursa mulachuu irratti (Yohaannis 1:1, 8, 57-58, 2Qoro. 8:4, Filli. 2:6-7, Qol. 1:17). Fi Kristoos uumama irratti abbaa wajjin kan hojettu ta’uuf (Yohaa. 1:3 1Qor 8:16, Qolaa. 1:15, 18, Ibi. 1:2).

## MATA DUREE ADDAA: ARCHĒ

Jechi “handhuurri lafaa” jecha Giriikii *archē*, sana jechuunis “jalqaba” ykn “madda/bu’ura” wanta ta’ee jechuudha.

1. jalqaba tartiiba isa uumamee (cf. Yoh. 1:1; 1Yoh. 1:1; Ibr. 1:10)
2. jalqaba wangeelichaa (cf. Mar. 1:1; Fil. 4:15, 2Tas. 2:13, Ibr. 2:3)
3. dhuga ba’uumsa ijaan argame duraa 9cf. Luq. 1:2)
4. mallattoowwan jalqabaa (dinqiiwwan cf. Yoh. 2:11)
5. ilaalcha jalqabaa (cf. Ibr. 5:12)
6. dhugaawwan wangeelaa bu’ureeffachuudhaan wabii jalqabaa (cf. Ibr. 3:14)
7. jalqaba, Qol. 1:18; Mul. 3:14

Akka “ajajaa” ykn “aangootti” faayidaarra kan oolu akka ta’uuf dhufe

1. qondaaltoota namaa bulchaa jiranu,
   a. Wangeela Luqaas 12:11
   b. Wangeela Luqaas 20:20
   c. Roomaa 13:3; Tiitoo 3:1
2. aangoowwan ergamummaa
   a. Roomaa 8:38
   b. 1Qor. 15:24
   c. Efe. 1:21; 3:10; 6:12
   d. Qol. 1:16; 2:10,15
   e. Yihudaa 2. 6

Barsiisonni sobaa kunniin aangoowwan hunda, kan lafaas ta’ee kan Waaqaa ni xureessu. Isaan warra safuu hin beekneedha. Isaan Waaqayyo, ergamoota, abbootii taayitaa siiviilii, dursitoota waldaa kiristiyaanaa dura ofii fi fedhii isaanii dursisiisu.

**3:15 “Ati qabanaa’aa yookaan ho’aa hin taane”** kun bishaan bu’awaa ta’ee kan eeruu ta’uu danda’a, jechuun namoonni magaalaa kanaa dhugaa kan turan sababa burqaa bishaan ho’aa naannichaa. Ceephoo wal fakkaataan waldaa kiristaanaa Sardeesiif godhameera (cf. 3:1).

**3:16 “Afaan koo keessa si tufuufan”** 2:5, 3:3, 16:17 of eegachiisi kan naasisu ture gara jaarraa 1ffaatti kan mul’atan waldoota naannoo biratti yeroo argisiisan. Kun fayyina dhabuu miti, garuu tajaajila bu’a qabeessa dhabuu malee (cf. 3:19, Ibi 12:5-13).

**3:17 “Ani geessifadheera sooromeera tokko illee nah in barbaachiisu kan jettu waan taateef”** lakk. 17 fi18 kan Lodoqiyaa kan seenaan eeramuu dha, gidugaleessummaa baankiidhaaf, uffata guutuu halluu dibame, gidugalessumaa mana yaalaa ijaa. Badhaadhumaan isaani kan nama gadisiisuu baay’ee waan qaban itti fakkaachaa xiqqoo kan qabanii dha (cf. 3:1).

## Mata duree addaa:Qabeenyaa

I. Ilaalcha wali gala Kakuu Moofaa
   A. Waaqayyo abbaa waan hundumaati
      1. Seera uumamaa 1-2
      2. 1 Seenaa 29:11
      3. Faarfannaa 24:1, 50:12, 89:11
      4. Isaayaas 66:2
   B. Namooti soortuu qabeenyaatti kaayyoo Waaqayyootiif
      1. Seera keessa deebbii 8:11-20
      2. Leewoota 19:9-18
      3. Iyoob 31:16-33
      4. Isaayaas 58:6-10
   C. Qabeenyaan qaama waaqeffannaati
      1. Buusii lamman
         a. Seera lakk.18:21-29, Seera keessa deebi 12:6-7, 14:22-27
         b. Seera keessa deebi 14:28-29, 26:12-15
      2. Macaafa Fakkeenya 3:9
   D. Qabeenyaan kan ilaalamuu akka kennaa Waaqayyo biraa ta’eeti, amanamummaa kakuutiif
      1. Seera keessa deebbii 27-28
      2. Macaafa Fakkeenya 3:10, 8:20-21, 10:22, 15:6
   E. Qabeenyaa irratti of eegachiisa, dadhabbi kan birootiin kan argamee
      1. Fakkeenya 21:6
      2. Ermiyaas 5:26-29
      3. Hose 12:6-8
      4. Miikiyaas 6:9-12
   F. Qabeenyaan mataa isaatti cubbuu miti dursa amma in taaneetti
      1. Faarfannaa 52:7, 62:10, 73:3-9
      2. Macaafaa fakkeenyaa 11:28, 23:4-5, 27:24, 28:20-22
      3. Iyoob 31:24-28

II. Yaada Fakkeenyoota addaa
   A. Yaalii dhuunfaatiin bakka qabeenyaa walitti qabamee
      1. Dhibbaa’ummaan ceepha’ameera-Fakkeenya 6:6-11, 10:4-5, 26, 12:24, 27, 13:4, 15:19, 18:9, 19:15, 24, 20:4, 13, 21:25, 22:13, 24:30-34, 26:13-16
      2. Jabaatanii hjeechuun ol ol qabameera- Fakkeenya 12:11, 14, 13:11,
   B. Hiyummaan faallaa sooromummaa, tolummaa faallaa cubbamummaa argisiisuudhaaf fayyadama irra oolera- Fakkeenya 10:1, 11:27-28, 13:7, 15:16-17, 28:6, 19-20,
   C. Ogummaa (Waaqayyoof sagallee isaa beekuuf beekumsa kanaan jiraachuu) qabeenyaa irra caala- Fakkeenya 3:13-15, 8:9-11, 18-21, 13:18,
   D. Of egannoodhaaf gorsa cimaa
      1. Of egaannoowwaan
         a. Hiriyaa kee liqii irratti bu’aa irratti in godhiin (bu’aa) – Fakkeenya 6:1-5, 11:15, 17:18, 20:16, 22:26-27, 27:13
         b. Hojii hamaadhaan qabeenyaa akka in horannee of eegadhuu- Fakkeenya 1:19, 10:2, 15, 11:1,

13:11, 16:11, 20:10, 20:3, 21:6, 22:16, 22, 29:8

c. Yeroo liqeesituutti of eegadhuu-Fakkeenya 22:7
d. Qabeenyaa dafee dhumuuf of eegadhuu- Fakkeenya 23:4-5
e. Qabeenyaan guyyaa murtii in gargaaru- Fakkeenya 11:4,
f. Qabeenyaa baay'een "hiriyoota" qabuu-Fakkeenya 14:20, 19:4

2. Ifata
   a. Kennaan simboo taati – Fakkeenya 11:24-26, 14:31, 17:5, 19:17, 22:9, 22-23, 23:10-11, 28:27
   b. Tolli qabeenyaa irra caaltii – Fakkeenya 16:8, 28:6, 8, 20-22,
   c. Kadhatti kan barbaachiisuuf, kan irraa hafeef utuu in ta'in – Fakkeenya 30:7-9
   d. Hiyeessaaf kennuun Waaqayyoof kennuu dha –Fakkeenya 14:31

III. Ilaalcha Kakuu Haaraa

A. Yesus

1. Qabeenyaan mataa keenyaa fi qabeenyaa keenyatti akka of jajnuu qoramsa addaa nutti ta'uu danda'a. Waaqayyoodhaaf qabeenyicha caalaa
   a. Maatihos 6:24, 13:22, 19:23,
   b. Maariqoos 10:23-31
   c. Luqaas 12:15-21, 33-34
   d. Mul'ata 3:17-19
2. Waaqayyoo hawwii foon keenyaatiif waan nu barbaachiisuu nuuf kenna.
   a. Maatihos 6:19-34
   b. Luqaas 12:29-32
3. Facaasuun haamuu wajjin adeema (kan foonii jedhees kan hafuuraa)
   a. Maariqos 4:24
   b. Luqaas 6:36-38
   c. Maatihos 6:14, 18:35
4. Qalbi jijjiiranaan qabeenyaa irratti dhiibbaa qaba
   a. Luqaas 19:2-10
   b. Leewota 5:16
5. Saamicha dinaagdee ceepha'eera
   a. Maatihos 23:25
   b. Maariqos 12:38-40
6. Guyyaa raawwitti murtiin fayadama qabeenyaa wajjin adeema –Maatihos 25:31-46

B. Phaawulos

1. Ilaalcha hojii irra oolchuu akkuma fakkeenya (hojii)
   a. Efeson 4:28,
   b. 1 Tessolonqee 4:11-12
   c. 2 Tessolonqee 3:8, 11-12
   d. 1Xiimotihos 5:8
2. Akka Yesus ilaalcha hafuuraa (wantooti dafanii xumuramu, kan isin qabdan isin gaha)
   a. 1 Ximootihos 6:6-10 (kan jirutti boqochuu)
   b. Filliphoos 4:11-12 (kan jirutti boqochuu)
   c. Ibiroota 13:5 (kan jirutti boqochuu)
   d. 1 Ximootihos 6:17-19 (kennaadhaa fi Waaqayyotti amanachuu, qabeenyaatti utuu in ta'in)
   e. I Qorontos 7:30-31 (jijjiiramuu wantoota)

IV. Guduunfaa

A. Qabeenyaa kan ilaalatee tokkoo illee barumsi Waaqayyummaa macaafa qulqulluu in jiru
B. Dhimma mata duree kanaa irratti keeyati taa'ee in jiru, kanaafis qabiyyeen isaa kan walitti qabamuu keeyata adda addaa irrati. Ilaalcham,mataa ofi isaan barreefamoota adda addaa sana keessa akka dubbistuuf of eegadhu
C. Fakkeenyawwaan, namoota gamnaan kan barreefaman (ogeeyyoolli), kan biroo macaafa qulqulluu shaarbee caalaa ilaalcha adda addaa qabu. Fakkeenyawwan hojii irra kan ooluu fi nama dhuunfaa irratti

kan xiyaafatu dha. Innis madaalli isaatti fayyadamuutu irra jiraata, akkasumas kan biroon jechooti dirqamatti maadallii isaa eeguutu irra jiraata (Ermiyaas 18:18).

D. Barri keenya ilaalcha isaatii fi gocha isaa tarreessuu fedha, qabeenyaa kan ilaalatu, ilaalcha macaafa qulqulluutiin. Wantoota dursan walin makamani taa'u, kaabitaliziimii yookaan koominizimii qajeelfama qophaa isaani kan ta'an. Tokko maalif akkamitti fiixaan ba'umsa argata kan jedhuudha gaaffii isaani guddaan. Ammam illee walitti qabee kan jedhu caalaa.

E. Qabeenyaa walitti qabuu madaalaa ta'u qaba, waaqeffannaa dhugaatii fi soortuu itti gaafatamummaan guutee wajjin (II Qorontos 8:9).

**3:18 "Ana irraa biti"** kun Isaayaas 55:1-3 kan eeru ta'a, kennaan fayyisuu Waaqayyoo tola ta'ee garuu gatii kan qabu ta'uun isaa ibsameera.

▣ **"Wayyaa adii"** 3:4 irratti yaadannoo ilaali.

▣ **"Qullaa ta'uun kee akka hin mul'anetti"** kakuu moofaatti qullaa ta'uun kan mo'amuu, kan firdii, fi mallattoo hiyyumaati.

3:19 "Sin ifadha" jechi Girikii kun ellegchÔ faayida irra kan oole "saaxila baasuu achi irraas fayyisuu yookaan sirreessuu miira jedhun (Yoha. 3:20, Efe. 5:11-14).

▣ **"Sin adaba"** adaba Waaqayyootiin miseensa maaatii isaa mallattoo ta'uuti (Iyob 5:17, Fakke. 3:12, Faarf. 94:12, Ibi. 12:6).

▣ **"Siradhuu"** kun gocha xiyyaafataa ammaati. Innis hundee jechaa wal fakkaataa irraa, kan akka "ho'aa" "kan danfee" (zestor) 3:15-16 faayida irra kan oole. Waaqayyoon beekuuf tajaajilu miira danfuuf akkaatee jireenyaa ta'uu qaba.

▣ **"Qalbi jijjiradhuu"** kun gocha xiyyaafataa ammaati. Ergaawwan torban kana hundumaatiin dhiibbaan irra deddeebi'u jira, kiristaanonni, warra hin amaniin osoo hin ta'in, gara Kristoositti qalbi jijjirachu fi deebi'uu, bilchaachuuf, cimuuf, fi gammachuudhaa fi akka isaan keessa jiraatuuf (cf. 2:5, 16:22, 3:3, 19). Qalbi jijjirachuun akkaatee jireenyaati gocha ka'msa qofa osoo hin taane!

**3:20 "kunoo balbala irra dhaabadhe nan rurukutaa"** kun gocha xumurame kan argisiisu dha "balbala irra dhaabadheera, itti fufee dhaabadheera" gocha ammaa kan argisiisuu duukaa bu'ee, "akkasumas rurukutuu koo itti fufuun". Ammam illee waldaattiin kiristaanaa kun sagalee galataa yoo fudhachuu baatees, afeeraa ho'aa fudhateetti. Kun kiristaana ta'uudhaaf afeeraa godhame miti, ha ta'u malee caalaatti miseensi waldaa kiristaanaa gara tokkummaa faayida qabeessa Kristoosiin ta'eetti akka deebi'aanii fkan dhi'aatee afeeraa dha malee lakkoofsi kun qabiyyee barrreefama isaa keessaa ba'ee yeroo heeddu faayidaa irra oola, abbaa wangeelaa eeruudhaaf.

"Balbala" fakkiduun jedhuu wangeela keessatti faayidaa irra ooleera (Mari. 13:28-29, Luqaas. 12:36) dhufaatiin Kristoos dhi'oo ta'uu isaa akka waan karaa argisiisuuti. Mata duree addaa balbala : 3:7 irratti ilaali.

▣ **"Eenyu iyyuu Sagalee koo dhaga'ee balbalicha yoo naa bane"** kun ramaddii sadaffaa hima haalaati, inni guddaan garuu gocha sirritti hin beekamne argisiisa. Kutaa addunyaalessaa heedduu rurrukutuun nagaa haasaatiin ni fura. Wanta fedha qabuu hubadhuu, matayyichi/waldaan kiristaanaa deebii lachuu fi balbala banuutu isaan irra jiraata. Kun Waaqayyo namootaa wajjin walitti dhufeenya godhuu hundumaa kallatti kan kakuutiin. Ka'umsa isaa ni fudhataa, ajandaa isaa ni teesisa, namoonni garuu deebii kennuutu irra jiraata. Akkasumas qalbi jijjiranaan ka'umsa qofa osoo hin taane itti fufeenya akka qabu hubadhu. Fayyinni bu'aa miti, akkaatee walitti dhufeenya jireenyaati male. Innis kan mataa isaa bu'aa ba'ii qaba, ha ta'uu malee, walitti dhufeenyi dhaabataan mirkanaa'aadha!

▣ **"Gara isaati ol nan seenaa isa wajjin hirbaata nan nyaadhaa innis ana wajjin ni nyaata"** kun aarsaa nagaa kan eeruu dha (Leewota 3, fi 7), yeroo firummaa, Waaqayyo bakbuusa isa dhi'eessuu wajjin yeroo nyaatu. Kan biroon kana akkaataa isaan itti ilaalan akka afeeraa Masihii bara dhumaati.

Bakka kanatti nyaataaf faayida irra kan oole jechi guyyaa raawataa irratti gosa nyaata dhi'aatuuti, innis tokkumaa maatiiti fi hiri'umaan sa'a isa guddaa dha. Gara bahaatti nyaachuun yeroo kan kakuu, kan hiri'ummaa, fi mallattoo tokkummaati.

**3:21 "Anaa wajjin teessoo koo irrra akka ta'uuf nan kennaaf"** kun fakkii cimaadhaa, firooma tokkummaa fi firooma dhi'aateef. Baay'ee kan eeran kakuu haaraa keessa jiru, amantootni Kristoos wajjin akka bitan (cf 2:26, 27, Luqaas 22:30, Mat. 19:28, 1Qoro. 6:2, 2Xim. 2:12, Mul'ata 20:4). Mul'ata 22:5 kan inni argisiisuu bara baraan bituu amantootaa Kristoos wajjin. Mata duree addaa mootummaa Waaqayyootti bituu 5:10 irratti ilaali.

▣ **"Ani immoo akkan mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akka ta'ee"** Yesuus addunyaa durii akka mo'ee beekuun ajaa'ibsiisaa dha (Yohannis 16:33, Efe. 1:21-22) kanaaf inni durumaa mirga abbaa taa'eera (Efe. 1:20 1ffaa Yoha. 2:1, fi Mul'ata 22:1) innis mo'icha isaatti isa wajjin akka taanu barbaada!

## GAAFFIILLEE MAREE

Kun hiika qajeelfama qayyabannaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemutu nurra jiraata. Dursani kan hiikan ati, macaafa qulqulluu fi afuura qulqulluu dha.  Kana deebifte isa hiiku irratti jecha biraadhaan akka fudhatu.

Gaaffilleen mare kun kutaa macaafa kanaa dhimmoota gurgurdaa akka ta'utti akka hubattuu dha. Kana jechuun akka ta'utti akka itti yaaddu kakaasuudhaaf malee kana qofaan akka ati daangeeamtu miti.

1. Kan Yohaannis raajiin bara dhumaa maaliif Eeshiyaa xiqqoo kan turan waldoota kristaanaa torbaniif kan ta'ee ergaa irraa jalqabaa (torba qofa)?
2. Tokkoon tokkoon ergaaKristoosiin boqonnaa 1mul'isuudhaan maaliif jalqabaa?
3. Ergaawwaan kun tibbaawwan waldaa kiristaanaa wajjin akkamitti adeemuu?
4. Gara waldoota kiristaanaa kanatti kan ergaman of eegachiisa cimaa kana akkamitti hiiktaa?
5. "Al tokko kan fayyee yeroo hundumaa fayyeera" doktrinii jedhan xalayaa kana keessa kan jiran of eegachiisaa fi waamicha obsaa wajjin akkamitti wal qabsiiftaa?
6. 3:20 maaliif abdiin fayyinaa hin ta'uu?
7. Ramaddiin barreefama itti fufee jiruu ergaa torban waldoota kiristaanaa wajjin  akkamitti deemaa? Waaqayyoo kan bara dhumaa amantoota rakkina irraa ni eegaa, amantoota jaarraa tokkooffaa osoo hin ta'in?

# MUL’ATA 4-5
# KAN HIIKOOTA HAARA RAMADDII KEEYATA

| UBS4 | NKJB | NRSB | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqefannaa Waaqa irraa | kutaa teessoo Waaqa irraa | Kan Waaqayyootiif kan hoolichaa Mul’ata ulfinaa | Waaqefannaa Waaqa irraatti | Waaqni fuuldura addunyaa hooli chaan eegera |
| 4:1-6A | 4:1-11 | 4:1-6A | 4:1-6A | 4:1-11 |
| 4:6b | | 4:6b-11 | 4:6b-8 | |
| | | | 4:9-11 | |
| Maramaa fi Hoolicha | Hoolichi maramicha Fudhate | | Maramaa fi hoolicha | |
| 5:1-14 | 5:1-7 | 5:1-5 | 5:1-5 | 5:1-5 |
| | Hoolichaaf Ni ta’a | 5:6-10 | 5:6-10 | 5:6-10 |
| | 5:8-14 | | | |
| | | 5:11-4 | 5:11-14 | 5:11-14 |

**Ramaddii dubbifama sadaffaa (kutaa seensa fuula v ilaali)**

Yaadi barreessaa isa guddaa sadarkaa keeyatichaa hordofuu dha

Kun hiika qajeelfama qayyabannaa yeroo ta’uu, sana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiiktooni si dursani, macaafa qulqulluu fi afuura qulqulluu dha. Kanas deebiftee hiika irratti jecha biraadhaan akka ati fudhatuu dha.

Boqonnicha of irra gadi taa’uu tokkoon dubbissi. Yaada ijoo adda baasii. Yaada ijoo keeti ranaddii isaa irranaa kan tarreefaman hiikashani wajjin wal bira qabi. Ibsa guutuu keeyaticha irratti argamuu yoo baatees yaada barreessaa duraa kan ta’e hiika inni guddan irratti ni argama. Keeyatni tokko tokkoo tokkoo fi tokkoo qofa yaada ijoo qabteera.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lamaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.k.f

**HUBANNOO JABAA QABIYYEE BARREEFAMAA**

A) Boqonnaan kun lamaan ramaddii barreefama isaa ijaaru, boqonnaan 4 kan inni argisiisuu Waaqayyo akka uumatti (Elohim hiiki, Waaqayyo akka uumaati, kan kennuu, fi jireenya mara akka jiraachiisu Faarfanna 104) fi boqonnaan 5 kan inni arisiisuu hoolaa Waaqayyoo (Yesuus) akka furaati (hiiki Yaahiwwee, Waaqayyo akka fayyisaatti, ni furee, fi kakuu kan galuu Waaqa, Faarfannaa 103). Barreefama isa guddaa qabiyyee barreefamaa mallattoowwan torbanhiikuudhaa itti fufa. Ta’us, mallattowwan sun mataan isaanii kan jalqaban boqonnaa 6 irratti jalqabanii hanga 8:1tti adeemu.

B) Boqonnaa 4 qabatama giddu galeessa ijaara (ulfinni amansiisaa fi bittaan Yaahiwwee) kan macaafa mul’ataa. Kun ajaa’ibsiisaa teessoo Waaqa irraa Ibiroota 8 fi 9 irratti kan jiru mana qulqullummaa

Waaqa irraa wajjin wal fakkaataa dha. Qabiyyeen kun (Kan Waaqayyoo ulfina Waaqa irraa) kan giddu galleessa galma dhoksaa Yihudoota durii ijaara.

C) Macaafni mul'ata dura kan isa godhuu lammaffaa dhuufaatti isaa akkamitti fi yoo miti, isa dura kan isa godhuu seena namootaa keessatti olaantummaa Waaqayyooti. Boqonnaa lamaan kun kan macaafichaa kutaa hafee fi kaayyoo isaa ubachuudhaaf barbaachii dha!

D) Boqonnaa lamaan kana irraa ifaa kan ta'uu Yohaannis qooqa Apokilaptikii fayyadamuu isaati, dhugaa hafuuraa ibsuudhaaf. Yohaannis kakuu moofaa irraa dubbifama Apoklaptikii fakkeenya fudhateera, keessumatti Hisqeel boqonnaa 1 fi 10, akkasumas 2:9, 10, Daani. 4, 7:13-14 fi akkasumas immoo waabii heedduun Yihudota irraa kan kakuu barreefama Apokolaptiki irraa fudhateera, kan akka **1Heenook** kan jiran. Kun dhugaa yoo ta'ee, egaa mul'ata akkuma jirutti, wali haala garee hiika seenaaisaatiin ilaaluun raawwatee sirri miti, keessumatti tibbawwan bara keenyaa, aadaa keenyaa, yoomessa teessuma lafaa fudhannee macaafa Apokilaptikii durii haala barreefama isaatiin ilaalu. Kana jechuun kara atokkoon illee mul'atni sirri miti kan jedhu tokkummaadhaan dabarsuuf miti. Inni akka seenaa seenessutti hin hiikamnejechuun miti, adeemsa haala hiikaa fooya'aa fakkeenya Yesuus ta'uu danda'u (Fii fi Situwaarti, macaafa qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin waa'ee dubbisuu, fuula 256 ilaali)!

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## Mul'ata 4:1-11

**1 "Kana booddees ani ilaaleen, waaqa keessatti balbala banamaa tokko arge. Sagaleen inni duraa akka malakataatti anatti dubbanaan dhaga'ee turee turee tokko, as ol kotu, ani immoo wanta kana booddee ta'uun irra jiru sittan argisiisaa!" jedhe*1. 2 Achumaaniis ani hafuuraan nan guutame, kunoo, teessoon tokko waaqa keessa kaa'amee, tokkos teessoo sana irra taa'ee ture*. 3 Inni teessoo sana irra taa'ees akka dhagoota Yaasphisii fi Saardiyoon warra gati-jabeeyyi, calaqqisee in mul'ata ture; naannoo teessichaa sabata Waaqayyoo isa dhagaa gati-jabeessa Simaaragidoos jedhamu fakkaatutu ture*. 4 Teessichatti naanna'anii teessoowwan digdami afur isaan irraas maangudoonni digdami afurtaa'anii turan, maanguddoonni kun immoo uffata adaadiiuffatanii, mataatis gonfoowwan warqee kaa'atanii turan *. 5 Teessicha bira immoo balaqeessii bakakaa , sagaleen qaqawwee, sagaleen biraas in ba'u turan, teessicah fuula duratti guccii ibiddaa torba in boba'u turan, isaan kun hafuuroota Waaqayyoof hojjetan torbanii dha*. 6 Akkasumas fuula teessicha dura wanti tokko hafamee ture, wanti hafamee sun immoo akka galaana isa of-ilaalee fakkaate keessaan waa argamuu, akka cabbiis qullaa'aa ture. Naannoo teessichaa bukee garasii fi gara uumamni lubbuu qaban afur turan, isaan fuula duraa fi dugda boodaan ija baay'ee qabu turan*. 7 Uumamni lubbuu qabuu sun inni duraa leenca ni fakkaata ture. Uumamni lubbuu qabuu inni lammaffaan tuntunoo in fakkaata ture, uumamni lubbuu qabuu inni sadaffaan fuula namaa kan fakkaatuu qaba ture, uumamni lubbuu qabuu inni arfaffaan joobira balali'uu in fakkaata ture*. 8 Tokkoon tokkoon uumama lubbuu qaban afran kanaa immoo, baallee ja'a ja'a qaba, iji isaas keessaa fi duubaan naanna'ee wali in ga'a. halkanii fi guyyaas utuu haara hin galfatiin, "Waaqayyo gooftichi inni hundumaa danda'uu, inni turee, inni ammas jiru, inni dhufuuf jirus, qulqulluudha, qulqulluu dha,qulqulluu dha, jedhanii ni faarfatu* 9 Uumamni lubbuu qaban kun isa teessoo irra taa'e, isa bara baraan jiraatu sanaaf guddina, ulfina galatas in dhi'eessu*. 10 Yeroo kanatti maangudoonni digdamii afran, isa teessoo irra taa'ee, isa bara baraan jiraatu sanaaf gombifamanii ni sgadu, goonfoowwan isaaniis teessicha duratti gaatanii ni faarfatu*. 11 "Yommus, "Ati waan hundumaa waan uumteef, isaanis jaalala keetiin waan uumamaniif, waan jiraataniif, gooftaa keenyaa! Waaqayyo keenyaa! Guddina, ulfina, aangoos fudhachuun siif in ta'a" in jedhu*.**

**4:1**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Wantoota kana booddee nan argee"** |
| **NRSV** | **"Kana boodas nan argee"** |
| **TEV** | **"Tuqaa kana irrattis mul'ata biraan argee"** |
| **NJB** | **"Sana irraas mul'ataanan arge"** |

Kun foormulaa seer-lugaati, garagarummaa gadi aanaadhaan, 7:1, 9, 15:5, 18:1 fi akkasumas 19:1 irratti argama. Isaan kun tartiba ibsa kanaati. Baay'een kan kakuu moofaa ibsi haala kakuutiin kan ilaalamanii dha,

“akkas yoo ta’ee…..achi irraas” irratti cimsa kan laatan, Waaqayyo fi Israa’eel giddutti kakuu jiru. Amantiin yeroo Israa’el carraa ishee fuulduraa murteessa. Kunis immoo mul’ata ibsa Yohaannis irratti sirrii dha.

1. Jechi Yesuus waldoota kiristaanaa torbaniif kan haalaati. Deebiin of eegachiisaaf kennamuu fuul-duree isaanii murteessa.
2. Kan mallattoowwani fi murtiin fiinoo kan haalaati. Waaqayyo warri hin amanne qalbi akka jijjiratanii fi gara isaatti akka deebi’an barbaada. Kakuu moofaatti kaayyoon furuu wali gala Waaqayyoo (Uma. 3:15, 15:12-2, 17:1-18, akkasumas HoE. 2:23, 3:18, 4:28, 13:29 yaadannoo) bifa kan haalaa hin taaneen kakuu isaa irratti akka dhaabbatee hundumaatiin garuu immoo kan haalaati (Uma. 12:1, Mul. 2-3) namootaan debiin kakuu deebii kakuu. Kaayyoo furuu wali galaa kun mul’ata Waaqa irratti boqonnaa 4 fi 5 irratti mul’ateera.

## Mata duree adda: Yaada dursaa evanjelicalii kan Boob

Dubbistoota koof ibsuufi kanaan feedhu qabxii kana irraati yaada adda ta’e akkan qabu dha. Xiiyyefannoon koo seera teewoloojiiti kaaluaniizimii miti ykn eyyama seera, garuu ergamn isaa gudda waangeelati (jechuunis, Mat 28;18-20, Luk. 24:46-47, Hoe. 1:8). Waaqayyo dhala/sanyii nama hundaaf kan ta’u karoora bara baraa akka qabuuf nan amana (Fkn, Uma. 3:15, 12:3, Bau19:5-6, Erm. 31:31-34, His. 18, 36:22-39 Hoe. 2:33, 3:18, 4:28, 13:39, looma. 3:9-18, 19:20, 21-31). Kakuu hundinuu kiriistoosin tokko ta’aniiru (Gal. 3:26-29, Qol. 3:11). Yesuus dhoksaa Waaqayyoti, kan dhokaate ture amma garuu ifatti kan ba’e (Ef. 2:11-3:13)

Duursaa beekamtuman kana hiikaa sagalee isaa hunda jala mureera jechuunis, (Yonass), bareefama hunda kanan dubbisu karaa isaati kan dhuguuman wal-caalsiisudha (Hiiktonni hundu keessa jiru), garuu inni jecha isaa irra kan ta’e yaali odeefanno durati.

▣ **“Balbala samii irraa banamee”** kun keeyata hoji irra oolee xumuramee dha, hiiki isaas hafuuraan balbala baname (sagalee hoji irra oole) akkasumas banaa ta’ee kan turu (kan yeroo xumuramuu). Waaqayyo mataa isaa ilma namaatiif karaa ittiin mul’isee kan argisiisuu karaa biraa dha. Innis 19:11, Hisqel. 1:1, Mat. 3:16, Yoha. 1:51 fi HoE. 7:55-56 wajjin baay’ee wal fakkaata. Mata duree addaa 3:7 irratti ilaali.

“Sami” jechi jedhuu barreefama Yohaannis keessatti yeroo 50 ol faayidaa irra ooleera, yeroo baay’ees gar tokkeedhaan, yeroo tokko 12:12 irratti yoo ta’uudhaa baate. Hiiki sirriin jijjirama kanaa, gar tokkee irraa gara baay’eetti, haala barumsa afuuraatiin sirritti hin beekamu. Barsisoonni kan isaan ibsan samiin sadii yookaan torba akka jiruu dha (2Qor.12:2). Yohaannis kan xiyyaafatuu samii tokkoo irratti, innis Waaqayyo kan irra jiraatu inni kan filatee gara bittaa isaatitti akka ilaaluu dha. Ammam illee lafa irratti jeequmsi yoo jiraate illee samii irra homtuu hin jiru.

## Mata duree addaa:-Samii

Kakuu Moofaa keessatti jechi “Waaqa” jedhu yeruma hundaa danooma (jechuunis *shamayim*, BDB 1029). Jechichi ibrootaa “ol ka’uumsa” jechuudha. Waaqayyo iddoo ol ka’aarra jiraata. Yaadichi qulqullummaa fi hunda caalummaa Waaqayyoot calaqqisiisa.

Uma. 11 keessatti DANOOMNI bantiiwwan “Waaqaa fi lafaa” akka uumama Waaqayyoo (1) akka qilleensa banamaa pilaanetii lafaatii olii ykn (2) akka karaa dhugaa hundaa erutti (i.e, an hafuuraa fi kan foonii) ilaallamanii turaniiru. Hubannaa bu’uraatirraa kitaabileen kan biroo akka sadarkaalee Waaqaatti ragaadhaan ni eeru. “Waaq Waaqotaa” (cf. Far. 68:33) ykn “Waaqaa fi Waaqa Waaqotaa” (cf. Kes. 10:14; 1Mot. 8:27; Nah. 9:6; Far. 148:4). Barsiisonni tarii tilmaama kanneen armaan gadii ta’uu ni danda’a.

1. Waaqota lama (i.e. R.Yihudaa, Hagigah 126)
2. Waaqota sadii (Test. Levi 2-3; Ascen Isa. 6-7, Midrash Tehillim Far. 114:1 irratti
3. Waaqota shan (III Barunch)
4. Waaqota torba (R.Simonb. Lakish; 2Enoch 8; Ascen Isa 9:7)

5. Waaqota kudhan (2Enoch 20:3b; 22:1)

Kunniin hundinuu addaan ba'uu uumama ijaan arginu fi hundaa ol ta'uu Isaa Waaqayyoo argisiisuuf jechuufi ture. Barsiisummaa Yihudummaa keessatti lakkoofsi Waaqotaa beekamoon baay'ee kan baratame torba ture. A. Cohen, *Everyman's Talmud* (fula. 30) geengoowwan astiroonomii wajjin walk an qabate ture jedha, garuu inni lakkoofsa torba jiraataa guutummaan guutuutti sirrii kan eeru natty ni fakkaata (ie., guyyootii uumamaa boqonnaa Waaqayyoo Uma. 1 keessatti bakka bu'an torbaan).

Phaawuloos, 2Qor. 12:22 keessatti Waaqa "sada" (Giriikii *ouranos*) karaa akka eenyummaa jiraachuu hund caalummaa Waaqayyo ibsaa jirutti ni eera. Phaawuloos Waaqayyo wajjin otuu hin yaadamin itti ba'ee ture!

▣ **"Akka fiinoo ta'ee osoo natti dubbatuu kanan dhaga'ee kan duraa sagaleen"** sagalee akka fiinoo 1:7 irratti eerameera (yaadannoo ilaali). Jalqaba kun kan argisiisuu Yesuus osoo dubbatuuti, ha ta'uu malee boqonnaa 4 fi 5 ramaddi barreefamaati Yesuusis hanga 5:5, 9-10, 12, 23, hin baramne , kun tarii kan argisiisu ergama mul'ate ta'a (innis kan akka amala Apokilaptiki). Sagalee ergamaa fi afuufamu fiinoo Phaawulos irraa ibsa deebi'ee dhufuu wajjin adeema (1Tas. 4:16).

▣ **"Gara kanatti achi as ba'iitii"** warri Dispenshinaastootaa akka isaan tilmaamanitti kun dhoksaatti butamuu waldaa kiristaanaati, macaafa mul'ataa irra kan jiran isaan irraa hubannoo dursa tilmaamaa irraa kan ka'ee (hundumtuu kan kakuu moofaa raajiin dirqamatti akkuma jirutti raawwachuuti irra jiraata, waldaa kiristaanaatii fi Israa'eel raawwatanii garagara, waldaan kiristaanaa dhoksaatti gara samiitti nu butamti, kana waan ta'eef raajiin kakuu moofaa Israa'eel ishee lafa irra jirtu irratti raawwachuu danda'u. hiiki kun yeroo hundumaa falmi yeroo cal jechuu degera "waldaa kiristaanaa" jeci jedhuu boqonnaa 3 booda mul'ata irratti waan hin taaneef (22:10 irraa kan hafee). Ta'us, barreefamicha keessatti kan argisiisuu tokko illee hin jiru tokko illee osoo hin taanee Yohaannisiin gara samiitti kan waamame.

Lakkoofsa 5 irra kan jiru "bakakicha" fi "kakawee" kan ka'ee kun tarii waamicha Musee achi olii kan eeru ta'a (Bau 19:20, 24) gara gaara siinaatti mul'ata Waaqayyoo fudhachuudhaaf (Bau 19:20 keessumatti 19:16, 19).

Akkasumas immoo sagalee Waaqayyoo akka fiinoo hiyyu Ba'uu 19:19 irratti eeramuu isaa hubadhu (mata duree addaa Israa'elitti faayidaa irra kan oolan gara fiinoowwani 1:10 irratti ilaali.

▣ **"Wantoota kana boodee wanti ta'u"** gaaleen kun kan Daani'eel 2:29, 45 kan eeruu ta'a. Akkana yoo ta'ee inni kan inni argisiisu tartiiba tibbawwan kan seenaaati, tibbawwan gara fuulduraatti osoo hin taane. Mul'atni wantoota jaarraa tokkoffaa fi gara fuula duraatti fagootii wantoota barootaa miti, haa ta'uu malee tibbawwan sun:

1. Baroota giddutti kan godhaman (Mat. 24:4-14)
2. Kan isaan callaqisiisanis dhufaati Kristoos jalqabaa fi yeroo deebi'ee dhufuu isaa gidduu jiruu guutuumaadumatti (kan macaafichaa ramaddii kan barreefama torbaa)

Gaaleen kun 1:1 wajjin wal fakkaataa dha sagalee Waaqayyooti fi firdii (dei) dirqamatti raawwachuutu irra jiraata. As irratti inni yeroo (jechuun, ariitiidhaan) dhufeera, ha ta'u malee dhugummaan isaa ni jiraata. Waaqayyo karoora furuu isaa ni raawwata!

**4:2 "Akkuma sanaan afuuraanan ture"** Yohaannis hafuuraan akka turee ibsameera 1:10, 17:3 fi 21:10 irratti. Kunis wal fakkaataa kan ta'uu Hisqeel irratti akka ta'ee dha, Hizqeel 8:1-4, 11:1 Yesuus Mat. 4:8, Filliophoos HoE. 8:39-40 fi Phaawulos 2 Qoro. 12:1-2. Kun egaa hafuuraan butamuu haa ta'uu yookaan qaamaan fudhatamuu ha ta'uu malee wanti beekamu hin jiru.

▣ **"Teessoon samii irra dhaabbateera teessicha irras kan taa'u ture"** "teessoo" (thronos) jechi jedhuu macaafa kana irratti yeroo 47 ol faayida irra ooleera. Bittaan Waaqayyoo qabiyyee giddu galeesaati, mul'atni samii kanaa (boqonnaa 4 fi 5). Teessichi bak buusa karaa Apokilaptikiiti, Yaahiwween seenaa hundumaa akka to'atu argisiisuuf. Waaqayyo afuura, kan bara baraa, qaama afuuraati, teessoo irra hin taa'u (mata duree addaa 2:1 irratti ilaali)!

Inni tokkooffaan kan raajiitii fi kaayyoo sharbee Apokilaptikii, Waaqayyo tibbawwan fuula duraa beekuu fi to'achuu dha. Seenaan hundumtuu ni beekama kaayyoo isaatiin (telos, Mat. 24:14, 1Qoro. 15:24-28).

Teessoon isaa kan ibsamee "dhaabbatee ture" kan jedhuun. Kan yeroo hin xumuramiinii, hiika lama qabaachuu danda'u: (1) Inni yeroo hundumaa akka dhaabbateetti yookaan (2)Qophaa'eera. Kunnis Daani'eel 7:9 "teessoon qophaa'eera" wajjin kan eeru ta'a.

**4:3 "Taa'ee kan turee… kan fakkaate ture"** Yohaannis kallatti Waaqayyoo ibsuuf jalqabeera, sababni isaa akka yaada Yihudootaatti kun raawwatee sirrii waan hin taaneef (telos, cf. Maatte. 24:14, 1Qoro 15, 24-28). Haa ta'u malee ulfina Waaqayyoo ibsa dhaga ulfina qabeessa sadiin. Akkasumas dhagaa ulfina qabeessaa Hizqeel 28:13 irratti faayidaa irra ooleera kan samii (ganata Waaqqayyoo fakkii ibsuudhaaf).

▣
**NASB, NKJV**
**NRSB, TEV** **"Iyaasaphid"**
**NJB** **"Diyameendii"**

Dhagaa gati jabeessaa fi halluu sirriidhaa fi maqaan sirritti beekamaa miti, og-barruu duriitiin. Dhagaa gati-jabeessaa fi halluuwwan maqaanis biyyaa biyyaatti fi baraa baraatti ni jijjiramu turan.Iyaasiphid dhagaa isa jalqabaa ture, laphee angafa lubichaa irratti kan argamuu, innis Seera ba'uu 28:17-21 irratti kan eerame. Dhagaan kun dhagaa qulqullaa'ee fakkaataa. Innis "birciqoo galaanaa" wajjin wal qabata (cf. 4:6, 15:2, 21:11, 18, 21). Innis durrii keenya kan eeruu dha.

▣
**NASB, NKJV** **"Sardiyos"**
**NRSJ, TEV** **"Kaarniliyaan"**
**NJB** **"Ruubii"**

Sardiyoosi dhagaa dhiiga diimaa ture. Innis dhagaa isa dhumaati, laphee angafa lubaa irratti . kun tarii Waaqayyoof kan eeruu dha, isa duraatii fi isa dhumaa kan ta'e, gosi Yihudootaa kan Masihichaaf cimsa laatuu (dhagaa gat-jabeessa bifa (magariisa) sabbata Waaqayyo. Isaan dhagaan kun lamaan barreefama duriitiin tarreefamaniiru, hundumaa fi faayyaadhaaf kan walitti qabamu.

▣ **"Bifa isaatti dhagaa gati-jabeessa halluu magariisaa qabu kan fakkaatuu sabata Waaqa naannoo teessoo sanaa ture"** dhagaa-gatii jabeessi sun dhagaa dha, Yihidaadhaaf, laphee angafa lubaa irratti. Kan sabbata Waaqaa kun cimsi isaa baay'ee shakkisiisaa ture, ha ta'uu malee yaad-rimeen lama jiru.

1. Tokko tokkoo isa kan ilaalan Uuma. 9:16 kan eeruu dha, achi irratti sabatii Waaqaa kakuu Waaqa bakka kan bu'uu ta'ee kan dhi'aate, fi mallattoo darbuu gaalaanichaa, furdii gidduttii abdiidhaa fi haraarri jira.
2. Kan biraan kan wal bukkee qabanii Hizqeel 1:28 wajjin, bak-buusa ulfina Yaahiwwee.

Sabbati Waaqaa firdii Waaqaas ta'ee kan kakuu adda hin baafne, ha ta'uu malee inni kan hin baratamiin sabbata Waaqaati, sababni isaa halluun isaa magarisa waan tureef ifa baratamee irraa kan jijjiramee waan ta'eef.

**4:4 "Naannoo teessichaas teessoo digdamii afurtu turan,"** kan teessoo digdamii afranii sababni isaa walin nama dha'eera.

1. Warri tokko tokkoo akkaataa isaan itti ilaalan akka duraa booda lubummaa Aarooniti, Daawiitiif kan qophaa'ee wajjin wal qabsiisuudhaaf 1Mot.24:7-19
2. Kan biroon akkaataa isaan itti ilaalan akka walga'ii Waaqa irraatti, innis 1Moto. 22:19, Isaa. 24:23, Daani. 7:9-10, 26 irratti akka eerame.
3. Kan biroon akkaataa isaan itti ilaalaan wal makoo gosoota Israa'eel kudhaa lamaanitti fi ergamoota kudha lamaan, bak-buusa saba Waaqayyooti (cf. 21:12, 14)

Ajaa'ibsiisaa kan ta'uu lakkoofsi kun Yihudootaan og-barruu kauu Apokilaprtikii argachuu dhabuu isaati.

▣ **"Jaarsooliin digdamii afran ta'aanii"** jaarsoolli kana eenyummaa isaanii kan ilaalate wal falmii heedduun ta'eera. Yaad-rimeen gurguddaan lama jiru

1. Isaan amantoota bakka bu'u:
   a) Adii waan uffatan isaanitti fakkaate (Qoro. 9:25, 1Tesso. 2:19, 2Ximo. 4:8, Yaaqob 1:12, 1Phexi. 5:4)
   b) Ergamoonni raawwatanii gonfoo kaa'atanii teesso irra ni taa'uu hin jedhamne (cf. 4, 10)
   c) Isaanis tarreefama isaa keessa jiru, ergamoota keessumatti kan itti dabalatuu (cf. 5:11)
   d) 5:9-10 Vaalgeet, Peshita, fi booda irratti Teksites Risepites jaarsoolli keesatti hammatamaniiru, faarfannaawwan furuu
2. Isaan ergamoota bakka bu'uu:
   a) Ergamoonni wayyaa adii ni uffatuu (Mat. 28:3, Yoha. 20:12, Maari. 16:5, HoE. 1:10, Mul'ata 15:6 fi Daani'eel 15, 6)
   b) Jaarsolliin kun yeroo hundumaa kan ibsaman bineensoota sana wajjin, kan akka 5:11, 14, innis ergamoota adda addaa sadii duraa booda isaanii kan tarreessu
   c) Jaarsa isa tokkoo akka ergamaatti mul'isa (cf. 5:5)
   d) Isaayaas 24:23 irratti ergamaan Waaqayyoo wal gahii Waaqa irraa "jaarsoolli" jedhamu
   e) 5:10 irratti ragaan barreefamaa kan inni argisiisuu jaarsichi mataa isaa itti hin dabalee, namoota furuudhaan faarfannaa irratti

## MATA DURE: JAARSA

1. Ergamaa Waaqayyootiif faayidaa irra oola, innis wal ga'ii ergamootaa kan ta'aan (Isa. 24:23). kunis jecha wal fakkaataa mul'ata irratti uumama ergamootaatiif faayidaa irra oolera (cf. 4:4, 10, 5:5, 6, 8, 11, 14, 7:11, 13, 11:16, 14:3, 19:4).
2. Itti gaaffatamtoota gosaatiif faayidaa irra ooleera (zaqen) kakuu moofaatti (Ba'uu 3:16, Seera. Lak. 11:16). Booda irrattis kakuu haaraa irratti jechi kun garee geggeesitootaatiif faayidaa irra ooleera, Yerusaaleem irraa, isaanis shengoo Yihudootaa olaanoo (Sanhedirin) kan ijaaran (Mat.. 21:23, 26:57). Guyyaa Yesuusitti qaamni miseensa torbaatama qabu kun seera lubummaa badeen qabamee ture.
3. Waldaa kiristaanaa kakuu haaraatiif waldaa naannootiif faayidaa irra ooleera. Innis jechawwan wal fakkaataa sadii keessaa isa tokko (Soortuu, geggeessaa, fi jaarsollii, Tiitoo 1:5, 7, HoE. 20:17, 28). Pheexiroosii fi Yohaannis fayyadamaniiru, mataa isaanii garee geggeesumaa keessa of galchuudhaaf (1Phexi. 5:1, 2Yoha.1, 3Yoha. 1).
4. Waldaa kiristaanaa keessa kan jiran jaarsoolidhaaf faayidaa irra ooleera, geggeessadhaaf ta'uu dhiisu danda'a (1 Ximo. 5:1, Tiito 2:2).

▣ **"Gonfoo warqee"** qulqulluu sagalee isaa keessatti bakka kamitti iyyuu ergamoonni gonfoo akka ka'atan hin dubbatamne (Daani'eel 10 irra kan jiru ergamaa isa jabaa sana yoo ta'e illee). Xilquu irraa kan ta'aan raayyaan seexanaa gonfoo warqee wajjin wanta wal fakkaataa ta'ee akka ka'aatan ibsameera 9:7 irratti.

**4:5 "Teessicha irraas bakakaadhaa fi sagaleen kakawee ni baha"** kun Bau 19:16-19 kan wal fakkaatuu dha, innis ta'ii qaamaan kan ibsuu dha, gaara siinaa irratti argamuu Waaqayyootti kan naanna'uu. Gaaleewwan kun argamuu Waaqayyoo argisiisu (cf. 11:19) yookaan firdii isaa (cf. 8:5, 16:18).

▣ **"Ibsa abbidaa torban"** isaan kun kan isaan ta'an ifa addaa torba ta'aniiti (gucawwan), xoofoon tokko dungoo torba (ibsaa) wajjin osoo hin taanee (Bau 25:37, Zakka. 4:2). Isaan kan isaan hojjetan kan biroo "torban" hundumaa wajjin karaa wal fakkaatuuni dha, argamuu Waaqayyoo kan isaan argisiisan.

▣ **"Isaanis afuroota torban Waaqayyooti"** kunis gaalee wal fakkaataan 1:4, 3:1 fi 5:6 irratti faayidaa irra ooleera. Innis yeroo hundumaa kan inni hiikamu afuura qulqulluu eeruudhaaf 1:4 irratti hundaa'uudhaan, ha ta'uu malee tokkoon isaani illee waabii biraan hiika sana hin cimsan. Gaaleen kun waldaa kiristaanaa wajjin wal qixa kan godhame fakkaata (urjiwwan torban, 3:1, ibsa torban, 4:5) yookaan hundumaa danda'uu hoolichaa fi hundumaa beekuu (5:6). Mata duree addaa: afuroota torban 1:4 irratti ilaali.

**4:6 "Baalcii kan fakkaatuu daawiiti galaanaa"** gaalee kana kan ilaalate yaad-rimee heeddun jiru

1. Inni kan inni argisiisu mana qulqullummaa keessa kan jiru waciiti dhiqanaati (1Moto. 7:23, 2Sen 4:2-6)
2. Inni kan inni wajjin deemuu yaad-rimee daawiti galaanaati, Bau 24:9-10 irratti argama
3. Innis kan Waaqayyoo kutaa konkolaataa socho'uudha Hizqeel 1:22, 26, 10:1
4. Inns qulqullummaa Waaqayyoo irraa bak-buusa hirmaanaati (cf. 15:2)

Galaanni kun mul'ata 21:1 irratti dhabamsifameera, abaarsicha kan argisiisu (Uuma. 3) adda ba'uuf cubbuun ijoollee namaa dhabamsifameera 21:1 irratti yaadannoo jiru ilaali.

⊡ **"Bineensoota afran"** bineensoonni kun lakkoofsa 6-8 irratti ibsamaniiru. Isaan Hiqeel 1:5-10 fi 10:1-17 cherubim (Kirubeel) fi Isaa. 6:2,3 seraphim (Surafel) wal makaadha. Lakkoofsi koochoo isaaniti fi fuula isaanii adda adda, ha ta'u malee kan namaa/bineensa/ergamoota fakkii wal makaa dha, teessoo Waaqayyoo kan marsan (cf. 4.6, 8, 9, 5:6, 8, 11, 14, 6:1, 3, 5, 7, 7:11, 14:3, 15:7, 19:4).

## Mataduree addaa: Kiruubel

A. Ergamoota baay'ee keessaa isa tokko. Bakka addaa isa qulqulluu sana eega (Kes.25:18-22, 1Mot.8:6-7)
B. Jechi bu'ura isa beekamaa miti
   1. "Gidduu seenuu" ykn Waaqaafi nama gidduutti kan dhalatu
   2. Akkaataa gurmaa'ina jechoota afaan Ibrootaa keessatti Fardeenii fi Kiruub (Hiz.1:10)
   3. Tokko tokko akka jedhanitti , inni kan jedhu "Fuula ifaa"
C. Boci qaama isaa kana mirkaneessuuf nama rakkisa; sababi isaas Macaafa Qulqulluu keessatti ibsa adda addaafi boca Nam-bineensa , warra bahaa dhiyoo durii jiran tokko tokko kan isaan waliin wal-qabsiisan
   1. Qotiyyoota warra baal'ee qaban kan warra Mosopotamiyaa
   2. Alaattii fi Leenca warra baal'ee qaban "Giriifiins jedhamanii kan waamaman
   3. Yehiraam Uumama warra baal'ee qaban, Teessoo Mootii Qiroos
   4. Sifiniksii Misiraafi Mootummaa Ahaabitti masaraa ilkaan Arbaa Samariyaas kan jiran akaakuu tokko qaba
D. Akkaataa Qaama isaa
   1. Boci Kiruubel jedhamu Isa.6 Suraafel kan jedhu waliin wal qabata.
   2. Bocaa fi fakkeenya adda addaa
      A. Lakkoobsa Fuul-duraa
         1. Lama Hiz. 41:18
         2. Afur Hiz.1:6,10;10:14,16,21,22
         3. Tokko Mul.4:7
      B. Lakkoobsa Baal'ee
         1. Lama 1Mot.6:24
         2. Afur Hiz.1:6,10;10:14,16,21,22
         3. Ja'a (akka Isa.6:2 Suraafeliin kan fakkaatan) Mul.4:8
   3. Qaamni biraan isaa
      a. Harka namaa Hiz.1. 8,10:8,21
      b. Miillota
         1) Jilba kan hinqabne kan dhaabbate Hiz.1:7
         2) Miilla jabbii Hiz.1:7
   4. Flavius Josephus,Kiruubel eenyuun akka fakkaatu namni beeku akka hin jirre amaneera *Antiquities of the Jews*, VIII:3:3 ilaal).
E. Bakkoota Macanfa Qulqulluu keessatti argaman fi Hojii isaanii
   1. Eegdota muka jireenya Uma. 3:24(tarii Seexanaaf hojiirra ooleera Hiz. 28:14,16)
   2. Eegdota Mana Qulqullummaa
      a. Saanduqa kakuu irratti Ba'u 25:18-20 lak. 7:8-9 1Sam. 4:4
      b. Golgaadhaan kan haguugame Ba'u 26:1,31;36:8,35
   3. Eegdota Mana Qulqullummaa Solomoon
      a. Kirubeloota gurguddoo balali'a lama iddoo qulqulla'aa isa gara keessa 1Mot. 6:23-28, 8:6-7: 2Sen. 3:10-14,5 7-9
      b. Keenyan isa keessa irratti 1 Mot. 5: 29,35 2 sen. 3:7
      c. Babattee qaalaa qaban sana irratti 1 Mot. 7:27-39
   4. Eegdota Mana Qulqullummaa Hiziqeel
      a. Keenyanii fi balbala irratti kan maxxanfaman Hiz.41:18-20,25
   5. Deemsa Tiyoloojii (beekumsa Maconsa Qulqulluu) waliin kan wal-qabatu
      a. Haala qilleensaa ta'uu kan danda'u. 2Sam.22:11 Far.18:10;104:3-4, Isa.19:1

b. b. Eegdota teessoo waaqayyoo Far.80:1;99:1 Isa.37:16
c. Eegdota teessoo waaqayyoo isa fardeeniin socho'u Hiz.1;4-28:10:3-22, 1Sen. 28:18
6. Mana Qulqullummaa Herodis
   a. Keenyan irratti fakkiinsa kaafameera.
7. Agarsiisa mul'ataa teessoo irraa (Jechuun Eegduu Mul. 4-5)

▣ **"Duraa fi boodaan iji kan itti guutame"** kun tarii kan fuula arfanii ija tokkoon tokkoon isaanii ta'a yookaan fakkiduu hundumaa beekuu Waaqayyoo ta'a (cf. lakk.8, Hiz.1:18, 10:12).

**4:7 "Leenca… jabii…nama…joobira"** kun Hiz. 1:6, 10 ifatti kan eeru dha. og-barruu barsiisootaatiin isaan tarreefaman kun uumama Waaqayyoo jaboo duraa boodaa kan adda addaa. Irine'uus (bara haraaraa 120-202) fuula adda addaa kanaa barreesitoota wangeela afranii ibsuudhaaf itti fayyadameera (barsifatni waldaa kiristaanaa dhuma irratti kan murteesse Yohaannisin, Joobira, Luqaasiin, nama, Maariqoosiin, sangaa, Maatihisiin Leenca godheeti) kun garuu baay'ee tilmaamaa fi aligoorii dha. uumamni wal makaan kun bak-buusa, akkuma jirutti osoo hin taane. Kakuu moofaan kan inni kennu Waaqayyo kan uume duraa boodaan cimsa beekuudhaan, uumamni wal makiinsa bineensaa fi namaa haala leewotaatiin qulqulluu kan hin taanee dha kun wantoota dhugaa ta'ee fi seenaa tibbanii seenefamee miti, ha ta'uu malee baay'ee sharbee bak-buusa ta'ee dha, bakka ga'umsaa dhugaa afuuraa ibsuudhaaf kan barbaadu, sababa kanaatiinis Waaqayyoo bara baraan akka jiraatuu (lakk. 8:9) qulqulluu (lakk.8) fi wanta hundumaa kan uumee (lakk. 11).
**4:8 "Qulqulluu, qulqulluu, qulqulluu"** uumamni kun Isaayaas 6:2, 3 irra kan jiru faarfannaa Suraafeelin irra deebi'a. Macaafa mul'ataa keessatti kan argaman faarfannaa baay'een kan jalqabaati (cf. 4:8, 11, 5:9-10, 12, 13, 7:12, 11:17-18, 12:10-12, 15:3-4, 16:5-7, 18:2-8, 19:1-3, 6-7). Faarfanawwan yeroo hundumaa mul'atichi kan ittiin hiikamuu dha. Bak-buusi biraan, akka daawiti galaanaa kan tajaajilu akka wal dorgomsiisa Ibirootaa, Waaqayyodhaaf raaawwatee qulqullummaa dha.

▣ **"Waaqa hundumaa bituu"** isaan sadan kun maqaa Waaqayyoo kakuu moofaa turan (cf, 1:8):

1 Gooftaa = Yaahiwwee (Bau 3:14, Faru. 103)
2 Waaqa = Elohiim (Faru. 104)
3 Hundumaa kan bituu = Elshaadayi, kan abbootaa maqaa Waaqayyoo (Ba'uu 6:3)

Mata duree addaa maqoota afuuraa 1:8 irratti ilaali.

▣ **"Kan turee kam jiruu fi kan dhufu"** gaaleen kun waamicha irra deddeebi'aa dha (cf. 1:4, 4:8, yaadannoo guutuu ilaalii 1:4 irratti). Kun maqaa kakuu Waaqayyooyi, Yaahiwween waamama, innis "gocahama kan ta'uu" kan dhufee dha. qabatmni wal fakkaataan kun lakkoofsa 9 fi 10 irratti irra deebi'eera, "baraa amma bara baraatti jireenyatti kan jiraatu isaaf" gaaleen jedhuu (cf. 10:6, 15:7).

**4:9-11** kun afaan Girikiitiin hima tokkoo dha, waaqefannaan hundumtuu isaaf teessoo irra kan taa'ee fi bara baraan kan jiraatu akka ta'u kan argisiisu (Faarfannaa 47, Daani. 4:34, 12:7). Kun tarii wal gahii Waaqa irraa kan jedhaman dhaabbata ergamootaa kan eeru ta'a (1Mot. 22:19, Iyob 1:6, Dani. 7:10) yookaan kan Yihudootaa "argamuu ergamootaa" (jechuunis, Xoobit 12:15).

**4:9 "Bineensootni sunis"** isaan uumamni ergamootaa kun macaaficha keessatti irra deddebi'ee eerameera (cf. 5:6, 8, 14, 6:1, 7:11, 14:3, 15:7, 19:4).

**4:10 "Teessicha dura gonfoo isaanii kaa'uu"** kun bak-buusa beekamtii kennuuti, Waaqayyo galanni fi hufinni hunduu akka ta'uuf! Gonfoo isaanii kan argatan sababa tokkoon illee yoo ta'ee, humnichi Waaqayyo biraa akka ta'ee beekamtii kennaniru!

**4:11 "Ati hundumaa uumtahoo"** jaarsoollin suni fi bineensooni sun Waaqayyon galateefataniiru akka uumaatti, eegduu, fi kennaa, wanta hundumaa. Kun cimsa barnoota hafuuraati maqaan Eelohim jedhamuu (Uma. 1, Iyo.38-41, Faarfanaa 104). Boqonnaan kun maqaa Waaqayyo irra deddeebi'uudha, isaanis gochaa isaa kan ibsan, hiika barumsa afuuraa fayyadameera. Itti fufeenya kan qabuu ibsa kakuu moofaa ifaa kan godhe, Yesuus uumama irratti abbaa wajjin hojjechuu isaati (Yoha. 1:3, 1Qoro. 8:6, Qola. 1:16 fi Ibi. 1:2).

**Mul'ata 5:1-5**

**1 Yommuus ani mirga teessoo irra taa'eesanaatti macaafa maramee taa'uu tokko nan arge, macaafichis keessaa fi duubaan caafamee, erga cufamee immoo mallattoo torbaan mallateefamee ture*.2 Ergamaa aangoo-qabeessaa sagalee isaa dhageesisee, "Mallattoo macaafichi ittiin cufameeirraa kutee macaaicha banuudhaaf kan male eenyu?" jedhee labsu tokkoos nan arge. 3 Waaqa keessa, lafa irra, lafa jalaas tokko illee macaaficha bane keessa isaa ilaalu hin dandeenye. 4Tokko ilee macaaficha bane keessa isaa ilaaluuf kan malee waan hin argaminiif, baay'isee nan boo'e. 5 Maanguddoota keessaa inni tokko immoo, "Hin boo'in! kunoo, leencichi gosa Yihudaa, hidda Daawiit keessaa ka'ee mo'eera, inni mallattoo sana torban kutee macaaficha banuu ni danda'a" naan jedhe*.**

**5:1 "Isa teessoo irra taa'ee harkaa mirgaa isaa keessatan arge"** gaalee kanaaf hiika wayyu kan ta'uu "harka mirgaa isaa irra" (Peshitan gara ingillifaatti yeroo hiikamuu Laamsaadhaan akkasumas macaafa qulqulluu ibsamen). Macaaficha jabeesanii qabuun yaada Waaqayyoo miti, ha ta'uu malee Waaqayyo eenyuuf iyyuu ni kenna fudhatee akka dubbisu.

Harka mirgaa isaa irra gaaleen jedhuu kan macaafa qulqulluu qaama namaati (Antiropomorfiziim), humna Waaqayyooti fi taayitaa Waaqayyoo argisiisuuf (mata duree addaa 2:1 irratti ilaali.) Waaqayyoo qaama foonii hin qabu inni argama afuuraati (Yoha. 4:24), kan hin uumamnee fi kan bara baraa.

▣ **"Kitaabaa"** jechi Girikii "biblion" dha, innis booda irratti barreefama maramaa (kitaaba) eeruudhaaf faayida irra oole. Kan tarreessan heedduun kan isaan irratti wali galan, macaafni hanga jaarraa 2ffaatti akka hin turee dha, ta'us, waraqaan asi qabnuu kun (papres) yookaan macaafa maramaa biraannaati (NKJB, NRSV, TEV fi NIB). Hiika kitaaba kanaa kan ilaalatee yaad-rimee heedduun jiru

1) Kitaaba gadda guddaa Hiz. 2:8-10 fi Mul'ata 10:8-11
2) Namoonni dubbisuu kan hin jaallanne kitaaba, Waaqni haala hafuuraatiin waan isaan jaamseef (Isa. 29:11, Rome 11:8-10, 25)
3) Tibbawwan bara dhumaa (Daani'eel 8:26)
4) Kan Roome hiyyama raawwataa yookaan labsii, innis haala barsifatameen mallattoo torbaan kan chaappefame
5) Kitaaba jireenya (Dani. 7:10, 12:1) innis macaafa mul'ataa keessatti yeroo heedduu kan eeramu (cf. 3:5, 17:8, 20:12, 15)
6) Kakuu moofaa (Qola 2:14, Efe. 2:15)
7) Gabatee kakuu Waaqa irraa (barreefamawwan) 1Henook 81:1,2

Yaada kooti lakkoofsii 1, lakk.2, yookaan lakk.3 kallattiin isaa kan wayyan fakkaata, walitti qabaan isaan ga'umsa ijoollee namaatiif seenaa walitti qabaa kitaaba Waaqayyooti.

▣ **"Keessaa fi duubaan kan itti barreefame"** kun addunyaa duriitti raawwatee kan hin baratamini dha, sababni isaa paapirees duubaan barreesuun waan rakkisuuf, amma illee Hizqeel 2:8-10 fi Zakkaariyaas 5:3 irratti yoo eerames. Innis bak-buusii isaa mudaa malee ta'uu Waaqayyoo guutumaatti to'achuu isaati, seenaadhaa fi xumurri namaa.

Keeyatootni lammaanuu (kan barreefamee fi kan chaappefamee) isaanis kitaaba maramaa kana kan ibsan kan xumuramanii hoji irra oolanii dha. Bifa seer-luga addaa jalqabaati, qulqulluu sagalee isaa ibsuudhaaf faayidaa irra kan oole, hafuuraan kan liqimfame waan ta'eef (Yoha. 6:45, 8:17, 10:34, k.k.f). Karaan labsii isa lamaffaa kan ta'ee kitaabni maramichi Waaqayyoon akka eegame, golgamee, fi akka tureedha.

▣ "Mallattoo torbaan kan mallatteefame" mallattoon torba yaada ka'umsaa lama qabaata:

1) Torba lakkoofsa guutuu dha, Uumama 1 irraa, kanaaf inni guutuu ta'ee chaappeefameera.
2) Fedhiin warra Roomaa cmallattoo torbaan mallatteefama ture.

Mallattoowwan boca maqaa xiqqaa dha, isaanis boca nama sanaa kan qabatuu kan ta'ee macaafichi yookaan maramichii bakka banamuuti ni godhamu (mata duree addaa 7:2 irratti ilaali) 6:1-8:1 irratti hiikamuun mallattoowwan kanaa lafa irratti wawwaanaa yeroo fidiuu, ha ta'uu malee, qabiyyeen maramichaa ramaddii barreefama kanaatiin hin mul'atu. Akka dhugaa isaa yoo ta'ee, caasefama kitaabichaa, mallattoo torbaffaan fiinoo torbanuu jalqabsiisu innis mallattoo torbaffaa kan ta'e.

**5:2 “Ergamaa jabaan arge”** warri tokko tokkoo kan isaan ilaalan haala hundee jechaatiin maqaa Gabre’el jedhuu wajjin wal qabsiisu, hiiki isaas “nama jabaa Waaqayyoo” kan jedhu. Ergamaa jabaan kan biraan 10:1 fi 18:21 irratti eerameera. Kaddhanaan ergamaa Yihudoota biratti  kan kakuu Apokilaptikii ogbaruun kan baratamee dha.

▣ **“Sagalee guddaadhaan osoo labsuu”** innis uumama hundumaa ga’a.

▣ **“Macaaficha akka diriirsuuf mallattichas akka banuuf kan ta’uuf eenyuu dhaa?”** “kan ta’uus” jechi jedhu jecha daldalaati, madaalli lama kan fayyadamuu wajjin kan qabatee dha. innis, “wal qixa kan ta’u” jechuu dha. wanti tokkoo madaallicha irratti gara tokkoon ni ta’a, karaa tokkoon immoo kan taa’uus wal qixa.  Innis al-ta’aadhaanis ta’ee  bifa sirri ta’eenis faayidaa irra ooluu danda’a. Asitti, wal dorgomuu akka hin dandeenye gatii dha, cubbuu kan hin qabne fayyisaa. Yesuus qofa hoji fayyisuu isaa wajjin wal qixa kan ta’e. Yesuus qofa hojii gonfannaa isaa wajjin wal qixa kan ta’e Yesuus qofa kan ta’uuf (cf. 5:7, 9-10, 12).

**5:3 “Waaqa irrattis ta’e lafa irrattis lafa jalattis kitaabicha banuudhaa fi yookaan ilaaluudhaaf eenyu iyyuu hin dandeenye”.** Kun kan inni argisiisuu ergamootnis ta’ee namoonni raawwatani akka hin dandeenyedha, fedha Waaqayyoo fiduudhaaf! Hammeenyi hundumaati bu’eera! Uumamni mataa isaa of gargaaruu hin danda’u! eenyuuf iyyuu hin ta’u!

5**:4 “Baayiseen bo’uu jalqabe”** kun gocha yeroo hin xumuramini dha, innis gocha tokko yookaan gocha irra deddeebi’aa jalqabuu isaa kab ibsuu, yeroo darbeeti. Kana jechuunis “boo’icha guddaa” amali baha dhi’oo duri.

**5:5 “Jaarsolli keessaa tokkoo naan jedhee”** asitti jaarsolli keessaa inni tokkoo akka ergamaa isa hiikuu  osoo godhuu argina, akka macaafa Daani’eel. Mata duree addaa jaarsa 4:4 irratti ilaali.

▣ **“Hin bo’in”** kun xiyyaafata ammaati, keeyata altaa’aadhaan innis yeroo hundumaa hiiki isaa duraan dursee adeemsa irra kan jiru gocha dhaabuu dha.

▣ **“Gosa Yihuudaa keessaa kan ta’e leenca”** kun Uumam 49:9-10 (2Isdiraas 12:31, 32). Masihichi leenca mo’aadha (mootii) dha, gosa Yihudaa.

▣ **“Hidda Daawiit”** kun 2 Saamu’eel 7 fi keessumatti Isaayaas 11:1-10tti kan waabefatuu dha.  kun kan mootii Masihii Daawit yaada wal fakkaataadha, Ermi. 23:5, 33:5 fi Mul’ata 22:16 kan inni irratti argamu.

▣ **“Mo’eera”** gochi kun xiyyaafataa ammaati, innis kan inni argisiisuu dhugaa gonfaneedha, (jechuun QAraniiyoo fi hawaala duwwaa).  Leencichi humna mataa isaatiin akka hin moone hubadhu, aarsaa mataa isaatiin malee (cf. lakk. 6).

## Mul'ata 5:6-10

**6 Teessicha dura uumama lubbuu qaban arfanii fi maanguddoota gidduu hoolaa waan qalamee fakkaatee dhaabatu tokko nan arge. Hoolichi gaanfa torbaa fi ija torba qaba ture, isaan torban kun hafuuroota Waaqayyoof hojjechuudhaaf guutummaa biyya lafaatti ergamanii dha*. 7 Hoolichi yeroo sanatti dhaqee harka mirgaa /isa teessoo irra taa’ee jiru keessaa macaaficha fudhate. 8Yemmuus inni macaaficha fudhatees uumamni lubbuu qaban arfan, maanguddoonni digdamii afranis hoolicha duratti ni gombifaman. Addaa addaan kiraara fi qodaa ixaana itti arsan, isa warqee irraa hojjetame of harkaa qabu, ixaanni qodicha keessa guutee ture, innis kadhata warra Waaqayyoof qulqullaa’anii ti*. 9Isaan faarfannaa haaraa yemmuu faarfatan,  “A ti macaaficha fudhachuudhaaf, mallattoo isaas banuudhaaf kan maltee dha, ati ofii keetii qalamtee, gosa hundumaa keessaa, afaan hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa, saba hundumaa keessaas, namoota dhiiga keetiin Waaqayyoof bitte.* 10 Waaqayyoo keenyaaf mootummaadhaaf, luboota isaas akka ta’an isaan godhatte, isaanis lafa irratti mo’uuf jiru” jedhan*.**

**5:6 “Hoolaan dhaabbateera”** hoolaa aarsaa yaad-rimeen (jechuun, hoolaa saafilli, arnion) kan Yesuus Kristoos kan jijjiramee furee fi du’aa ka’uu argisiisa. Hoolichi macaafa mul’ataa hundumaa keessatti eerameera (cf. 5:6, 8, 12, 13, 6:1, 16, 7:9, 10, 14, 17, 12:11, 13:8, 14, 1, 4(yeroo lama) 10, 15:3, 17:14, 19, 7, 9, 21:9, 14, 22, 23, 27, 21:1, 3). Fakkiduun aarsiichaa

1) Hoolaa faasikaa (Ba'uu 12)
2) Guyyichi ganamaa fi gallgala aarsaa kan godhaman inni tokkooffaan (itti fufeenya kan qabu, Ba'uu 29:38-46, Lak. 28:3, 6, 10, 23, 31, 29:11, 16, 19, 22, 25, 28, 31, 34, 38)
3) Hoolaa qalamee Isaa. 53:7 yookaan Yohaa. 1:7, 29

Fakkiduun kun Yesuusiif bifa lamaan faayidaa irra ooleera (A) Akka aarsaa qulqullutii fi (B) Akka kan mo'ee abbaa mo'ichaatti (akkasumas og-barruu Apokilaptikii irratti argama, 1Heenook 90:9 dhuga baatii Yooseef 19:8-9). Kakuu haaraa keessatti Yohaannis cuuphaa qofa, Yohaa. 1:29, 36 irratti fi Yohaannis Mul'ataan 5:6, 8, 12, 13, 61:1 irratti Yesuusiin akka "hoolaa" ibseera (Phaawuloosiis kana ni cimsa, ha ta'uu malee sagalee isaa malee 1 Qoro 5:7).

▣ **"Akka qalameeti"** du'ee turee ha ta'uu malee amma jireenyatti jira. Du'aa ka'uun Masihii amala isaatti bineensichi bifa haasaatiin mul'atera (cf.13:3).

▣ **"Gaafa torbaa fi ija torba qabu turan"** jechi jalqabaa kan inni argisiisu humna yookaan hundumaa danda'uu isaati (Ba'uu 27:2, 29:12, Keessa deebii 33:17 2 Seenaa 18:10, Faru. 112:9, 132:17, Ermi. 48:25, Hisq. 29:21, Zakka. 1:18-21). Jechi lammaffaan kan inni argisiisuu hundumaa beekuu Waaqayyooti (cf. 4:6, 8, Hisq. 1:18, 10:12, Zakka. 3:9 fi 4:10). Fakkeenyi kun Daani'eel 7:13-14 wajjin wal fakkaata.

▣ **"Hafuurota Waaqayyoo torbani dha"** mata duree addaa 1:4 fi 4:5 irratti yaadannicha ilaali.

**5:8 "Yeroo kitaabicha fudhateetti bineensooni afranii jaarsooliin dogdami afran hoolicha duratti kufan"** kun kan argisiisuu hoolichaaf sagada ta'uu dha, akkasumas sagada Waaqayyoo ta'uu dha (cf. 4 lakk. 13), kunis mul'ata irratti qabatama giddu galeessaa.

▣ **"Kadhata qulqullootaa kan ta'ee qumbiin kan itti guutamee qodaa warqee"** ergamoonni Waaqayyoodhaaf kadhata dhaabbataa kan ittiin ga'aanidha, og-barruu Yihudootaa kan macaafa qulqulluu (Xoobit 12:15, 3Baarook 11). Yaadni qumbii, innis kadhata kan bakka bu'uu qulqulluu sagalee isaa keessatti yeroo baay'ee faayidaa irra ooleera (cf.8:3-4, Faru141:2, Luqaas 1:10).

▣ **"Qulqulloota"** ammam illee " waldaan kiristaanaa" jechi jedhuu boqonnaa sadi booda yoo hin argamnees, "qulqulloota" yaad-rimeen isaa guutummaa kitaabichaa irratti itti fufeera, innis saba Waaqayyoo kan eeru. Amantootni akka "qulqulloota" yaad-rimeen ta'e kun Kitaaba mul'ataa keessatti kan baratamee dha (cf. 8:3-4, 11:18, 13:7, 10, 14:12, 16:6, 17:6, 18:20, 24, 19:8 fi 20:9).

## MATA DUREE ADDAA: QULQULLOOTA

Kun jecha Giriikii, kan jecha Hibruu isa, Kadash, jedhuu fi wanta, nama yookiin iddoo YHWH'n qofti akka itti fayyadamuuf adda ba'e kan agarsiisu, bakka bu'udha. Akka afaan Ingiliziitti yaada 'the saerel' jedhu kan agarsiisudha. YHWH'n akkaataa (Hafuura, umamaa kan hin taane, bara baraan kan jiraatu) fi amala (quqlullummaa) isaatiin nama irraa adda kan ta'edha. Inni safara wanti hundumtuu ittiin madaalamuu fi wanta hundumaattis fardaamudha. Innis sammuu namaatti ol kan ta'e (qulqullummaa, ogummaa fi beekumsa isaatiin), Quqluluu isa tokkoo fi Qulqulluu isa biraadha.

Waaqayyo namni akka isaa wajjin jiraatuuf uume, garuu kufaatiin namaa (Uma. 3), Waaqayyo isa qulqulluu fi nama isa cubbamaa gidduutti gufuu walitti dhufeenyaa fi miiraa uume. Waaqayyo uumama isaa isa yaaduu danda'u kana deebisuu fo'ate; kanaaf, Ini sabni isaa "qulqulluu" akka ta'aniif ni waama (cf. Lew. 11:44; 19:2; 20:7,26; 21:8). Walitti dhufeenya amantii YHWH wajjin qabanii kakuu isa keessatti qabaniin sabni isaa ni qulqullaa'u, garuu qulqulluu ta'anii akka jiraatnaiifis waamamaniiru (cf. Mat. 5:48).
Jireenyi qulqullaa'aan kun, amantoonni karaa hojii fi jireenya Yesuus Kiristoosiin guutummaatti fudhatama waan qabaniif, akkasumas Hafuurri Quqlulluun sammuu fi laphee isaanii keessa sababii jiruuf, ni danda'ama. Kun wanta dhugaa hin fakkaanne, garuu kan dhugaa ta'uu danda'u uuma. Kunis

1. Sabii quqlulluu ta'uu Kiristoosiin qulqullaa'uu
2. Sababni Hafuurichi jiruuf, qulqulluu ta'anii jiraachuutt waamamuu.

Amantoonni "qulqulloota" (hagioi)dha. Sababiin isaas jireenya keenya keessa (1) fedhiin isa qulqullu (abbaa); (2) Hojiin ilam isa qulqulluu (Yesuus); fi (3) Hafuurri qulqululluun waan jiraniifidha.

Kakuu Haaraa keessatti quqlulloota kan jedhu yeroo hundaa baay'ina agarsiisa (Fil. 4:12 irraa kan hafe, achitti iyyuu garuu yaada baay'ina agarsiisu of keessaa qaba). Fayyuun, qaama maatii, qaamaa, ijaarsaa ta'uudha! Wangeelatti amanuu dhuunfaatti fudhachuudhaan jalqaba, garuu walitti dhufeenya/hordoffii walitti fufiinsa qabu barbaada. Nu'i hundumti keenya kennaa qabna (cf. 1Qor. 12:11) Kunis, fayyaa, guddinaa, fi nagaa qaama Kiristoosiif waldaaf (cf. 1Qor. 12:7) kan ta'udha. Nu'i akka tajaajilluuf fayyine! Qulqullummaan amala maatiiti!

**5:9-10** Adda kan ta'ee gahaa barreefama Girikii qabaata, "nuun" kan jedhu maqadhaal wajjin kan deemuu dha. NKJV "nuun" maqadhaal jedhuu qaba lakkoofsa 9 irratti "nuun Waaqayyoodhaaf nu fure" fi lakk. 10 irrati " Waaqayyoo keenya luboota mootii nu godhe." Baay'een isaani hiikii ammayyaa NASB, NRSV, TEV, NJB) "nuun" hri'seera, lakkoofsoota lamaan irratti. "Nuun" lakkoofsawwan lamaan iratti kan jiru, egaa aarsaa du'aa Yesuus jaarsoollii digdami afran of keessatti qabata, isaanis ergamaa uumamaa kan fakkaatan. Kitaaba qulqulluu keessatti iddoo kamitti iyyuu du'I Yesuus oolchuu ergamootaati wajjin wal hin qabatu. Dabalataanis, "isaani" (autos) jiraachuu lakkoofsa 10 irratti haala seer-lugaatiin "nuun" irra guddaa carraa jiraachuu of keessatti hin dabalu. Yunayiti Bible sosiyiti maxansa arfaffaa kan lamaanuu kan maqadhaala heedduu hir'suun akka "amansiisaa" tti ni fudhata.

**5:9 "Faarfannaa haaraa ni faarfatuu"** waabii heedduun jiru kakuu moofaa keessa, faarfannaa haaraadhaaf (Faru. 33:3, 40:3, 98:1, 144:9, 149:1 fi Isaa. 42:10). Kakuu moofaati tokkoon tokkoon tibbawwan gurguddoo, sabni Waaqattoo hojii Waaqayyoo kan galateefatan faarfannaa haaraa akka faarfatan ni jajjabeefamu turan kun ga'umsa faarfannaati, Waaqayyoo mataa isaa Masihiidhaa fi hoji furuu Masihii kan ittiin mul'isee, karaa amantoota hundumaa (cf. lakk.9,12, 13, 14:3).

Wantoota"Haaraa" cimsa amala bara haaraati, Isaa. 42-46 irratti kan jiru .

1) "Wantoota haaraa" 42:9
2) "Faarfannaa haaraa" 42:10
3) "Wanta haaraa gochuu" 43:19
4) "Wantoota haaraa" 48:6
5) Maqaa haaraa" 62:9
6) "Samii haaraa fi lafa haaraa" 65:17, 66:22.

Mul'atan immoo heedduun "wantootni haaraan" jiru.

1) "Yerusaaleem haaraa" 3:12, 21:2
2) "Maqaa haaraa" 2:17, 3:12
3) "Faarfannaa haaraa" 5:9, 10, 12, 13, 14:3
4) "Samii haaraa fi lafa haaraa" 21:1

▣ **"Kitaabicha fudhachuufis mallatticha banuun siif ta'aa"** faarfannaa haaraan kun (lakk. 9-10 hoolichaaf kan ta'uu ibsa shanani dha.

1) Jijjiraa du'aa (cf. 5:6, 9, 12, 13:8, 1Phexi 1:18-19)
2) Gatiin furuu kaffalameera (cf. 5:9, 14:3-4, Mar. 10:45, 1 Qor. 6:19-20, 7:23, 1 Ximo. 2:6)
3) Tokkoon tokkoon hawaasa keessaa namoota fureera (cf. 5:9, 7:9, 14:6)
4) Amantoota luboota mootummaa godheera (cf. 1:6, 5:10)
5) Isaanis isa wajjin ni mo'uu (cf. 3:21, 5:10, 20:4)

▣ **"Gosa hundumaa keessaa afaan hundumaa keessaa sanyii hundumaa keessaa hawaasa hundumaa keessaa"** kun fakkiduu irra deddeebi'eedha, waan hundumaa of keessatti kan qabate ta'uu isaa (cf. 7:9, 11:9, 13:7, 14:6). Innis Daani'eel 3:4, 7 kan eeruu ta'uu danda'a.

▣ **"Dhiiga keettinis Waaqayyoodhaaf furtee"** kun dhugumatti jijjirama furii hoolaa Waaqayyooti. Kun kan Yesuus akka aarsaa cubbuutti yaad-rimee yaada giddy galeessa mul'ataati (cf. 1:5, 5:9, 12, 7:14, 12:11, 13:8, 14:4, 15:3, 19:7, 21:9, 23, 22:3) fi akkasumas immoo kakuu haaraa (Mat.20:28, 26:28, Mari. 10:45, Rom.3:24-

25, 1Qoro.6:20, 7:23, 2 Qoro. 5:21, Gala. 3:13, 4:5, Efe. 1:7, Fil. 2:8, 1Ximo.2:6, Tiito 2:14, Ibi.9:28, fi 1 Phexi. 1:18-10).

## Mata-duree addaa: Furuu

I. Kakuu Moofaa:

A. alqabarratti jechoota Ibirootaa lamatu jiru. Yaadi rime kana kana mul'isanis:

1. *Ga'al*, Bu'uurri jecha kanaa gatii kaffaluudhaan "Bilisa Baasuu"jechuudha. Yaad-rimeen jechi Gool jedhuu waan tokko dhuunfaadhaan seenuu; miseensa maatii. Amalli aadaa akkanaa kun mirga meeshaalee, bineensotaa fi lafa (Leew. 25:27) ykn firoottan (Ruut. 4:15; Isaa. 29:22;)deebisanii bituu dha. Amalli Waaqummaa isaa Waaqayyo Isiraa'eliin Gibxii furuu isaa mul'isuuf (Kees. Deeb. 6:6; 15:13; Faar. 74:2; 77:15; Erm. 31:11). Kunis Furii ta'eera jedha. (Iyyo. 19:25; Faar. 19:14; 78:35; Fakk. 23:11; Isaa. 41:14; 43:14; 44:6:24; 47:4; 48:17; 49:26; 54:5:8; 59:20; 60:10; 63:16; Erm. 50:34).
2. *Padah*, (Padah): Hiikni isaas "oolchuu"ykn "furuu"jechuudha.
   a. Furii ilma hangafaa (Ba'uu 13:13; 14; Lakk. 18:15-17)
   b. Furiin foonii faallaa furii hafuuraa ti. Faar. 49:7; 8:15
   c. Waaqayyo Isiraa'eliin cubbuu fi hammeenya isaaniitti isaan ni fura. Faar. 130:7-8

B. Yaadi-rimeen hafuuraa isaa wantoota walqabatoo sadii of keessatti qabata.

1. Rakkina, garbummaa, kisaaraa, hidhaa
   a. Kan qaamaa
   b. Hawwaasummaa
   c. Hafuuraan (Faar. 130:8)
2. Bilisummaaf, gadi-dhiifamuu fi deebi'uuf gatii kaffaluu qaba.
   a. Saba Isiraa'eliif (Keess. Deeb. 7:8)
   b. Nama dhuunfaatiif (Iyyoob 19:25-27;33:28)
3. Inni tokko akka isa gidduu seenuutti ykn gargaartuutti hojjechuu qaba. Akka Gaalitti kun kan ta'u miseensa maatii ykn fira dhihootiin.
4. Yaahiwween yeroo mara kan inni ittiin of ibsu jecha maatiitiin.
   a. Abbaa
   b. Abbaa manaa
   c. Fira dhihoo.

   Furiin kan inni mirkanaa'u, bakka- bu'iinsa qaamaa yaahiwweetiin. Gatii ni baasa kanaaf ni furama.

II. **Kakuu Haaraa**

A. Yaad-rimeen yaada waaqarraa ibsuuf jechoonni baay'een hojiirra oolaniiru.

1. *Agorazō* (1Qor. 6:20; 7:23; 2Pheex. 2:1; Mul. 5:9; 14:3-4). Jechi kun jecha daldalaa ti. Innis gatii waanta tokko agarsiisu kan calaqqisiisuudha. Nuti namoota jireenya ofii keenya to'achuu hin dandeenye warra dhiigaan bitamanii dha. Nuti kan Kiristoos.
2. *Exagorazō* (Gal. 3:13; 4:5; Efe. 5:16; Qol. 4:5). jechi hunis jechuma waa'ee daldalaa ibsuudha. Du'a Iyyesuus bakka-bu'iinsa keenya du'eedha. Iyyesuus gocha seeraa (Seera Musee Efe. 2:14-16; Qol. 2:14) irratti kan hundaa'e abaarsa ilmaan namootaa warri cubbamoota ta'an baachuu hin dandeenye baateera. Innis abaarsa keenya baate (Keess. Deeb. 21:23;) hunduma keenyaafis (Maar. 10:45; 2Qor. 5:21) jaalalaa fi furiiIyyesuus ilma waaqayyoo fi araaraa isaa isa guutuutti fudhatamuun ta'eera.
3. *Luō* "Bilisa Baasuu"
   a. *Lutron*, "Gatii baafame" (Maat. 20:28; Maar. 10:45). Jechoonni kun jechoota ciccimoo kaayyoo dhufaatii Isaatii ilaalchisee, fayisaa biyya lafaa ta'uusaa ilaalchisee kan Isaa kan hin ta'in gatii cubbuu baasuudhaaf afaan Iyyesuus keessaa bahaniidha (Yoh. 1:29).
   b. *Lutroō* "Gadi-dhiisuu"
      (1) Isiraa'eloota furuu; Luq. 24:21
      (2) Saba Isaa furuu fi waamuuf ofiisaa kenne Tiit. 2:14
      (3) Bakka- bu'aa cubbuu hin qabne ta'uu; 1Pheex. 1:18-19
   c. *Lutrōsis*: "Furuu, Fayisuu ykn Bilisa baasuu"

(1) Raajii Zakkaariyaas waa'eee Yesuus Luq. 1:68
(2) Galata Hannaan waa'ee Yesuus Waaqayyoof dhiyeessite Luq. 2:38
(3) Aarsaa Iyyesuus Isa fooyye-qabeessaa fi isa si'a tokko dhiyaate; Ibir. 9:12

4. *Apolytrōsis*
   a. Deebi'ee dhufuusaatiin furamuu (H. Erg. 3:19-21)
      (1) Luqaas 21:28
      (2) Rom8:23
      (3) Efe 1:14
      (4) Ibrota 9:15
   b. Du'a Kiristoosiin furamuu
      (1) Rom3:24
      (2) I Qorontos 1:30
      (3) Epheson 1:14; 4:30
      (4) Ibrota 9:15
5. *Antilytron* (1Xim. 2:6). Barreeffamni kun akka Tiitoo 2:14 tti barreeffama murteessaadha.

Hiikamuu ykn gadi dhiifamuu du'a bakka bu'iinsaa Iyyesuus Fannoorratti du'e waliin wal qabsiisa. Inni aarsaa isa tokkichaa fi isa fudhatama qabuudha. Hundumaafis kan du'eedha. (Yoh. 1:29; 3:16-17; 4:42; 1Xim. 2:4; 4:10; Tiit. 2:11; 2Pheex. 3:9; 1Yoh. 2:2; 4:14).

B. Yaad-rimeen amala waaqaummaasaatii kaku haaraati kan agarsisu
1. Ilmaan namaa garbummaa cubbuutiin qabameera (Yoh. 8:34; Room. 3:10-18; 6:23)
2. Ilmi namaa garba cubbuu ta'uusaa seera Musee fi (Galaa. 3)lallaba Iyyesuus isa Gaara irratti lallabameen (Maat. 5:7) ibsameera. Gochi namootaa firdii du'aa ta'e (Qol. 2:14)
3. Iyyesuus Ilmi Waaqayyoo inni mudaa hin qabne hoolaa waaqayyoo ta'ee bakka keenya dhufee du'e (Yoh. 1:29; 2Qor. 5:21). Cubbuurraa kan nuti bitamneef akka isaaf hojjennuuf. (Room. 6).
4. Iyyesuusii fi Waaqayyo waa'ee keenyaaf kan hojjetan firoottan dhihoodha. Kunis walitti dhufeenya maatummaa ittifufaa taasisa. (Fira dhihoo jechuun abbaa, abbaa manaa, ijoollee, obboleessa)
5. Furamuun gatii Seexanaaf baafame otuu hin taane karaa araaraa ittiin sagaleen Waaqayyoo fi tolli Waaqayyoo jaalalaa fi guutuummaa kennuu Waaqayyootiin walitti araaramaniidha. Fannifamuu isaatiin nagaan argameera; hammeenyi namootaa dhiifama argateera; fakkeenyummaan Waaqayyoo (tokkummaa jaalalaatiin) namoota irratti hojjechaa jira.
6. Gara fuula duraattis furiin Waaqayyoo ni jiraata. (Room. 8:23; Efe. 1:14; 4:30 ;). Kunis du'aa ka'uu foonii keenyaa fi firummaa qaamaa nuti Waaqayyo waliin qabnu of keessatti qabata. Qaamni keenya inni
furame qaama Kiristoos fakkaata (1Qor. 3:2). Inni qaama qaba, garuu qaamni isaa kun bifoota baay'eedhaan mul'ata. Yaada dhokataan (1Qor. 15:12-19; 35-59) irra jiru ibsuun rakkisaadha. Foonni qaama biyya lafummaa qabaachuun isaa beekamaadha. akkuma kana wanti Waaqarraa qaama hafuuraa qabaata. Iyyesuus garuu qaamota lamaanuu qabaata. Yesuus lamaansa qaba!

**5:10 "Mootummaadhaaf luboota akka ta'aaniif isaan godhe"** kun seera Ba'uu 19:6 fi Isa. 61:6 kan eeruu dha. jechi kun amma waldaa kiristaanaatiif faayidaa irra kan oolee, ergama isa guddaa haaraa saba Waaqayyoo (Mul'ata 1:6, 20:6, 1fPhexi. 2:5, 9). 1:6 irratti yaaannoo isaa ilaali.

⊡ **"Lafa irratti ni mo'u"** hiiktootni tokko tokkoo akkaataa isaan itti ilaalan kan isaan ilaalan bifa gara fuulduraa yeroo ta'uu warri tokko tokkoo immoo kan isaan ilaalan dhugaa ammaatiin. Barreefamni Girikii garagarummaa qaba raajii irratti (fuuldura) MXX ℵ P fi kan yeroo ammaa Ms A (Aleksanderiyaa). Inni kan yeroo ammaa yoo ta'ee Roome 5:17 fi Efe. 2:6 wajjin kan wal fakkaatuu dha. Sabni Waaqayyoo Kristoos wajjin kan inni mo'uu gara fuulduraattii yoo ta'ee (Mat.. 19:28, Luqaas 22:30, 1ffaa Qoro. 4:8, 2 Ximo. 2:12, Mul'ata 3:21, 5:10). Kun mo'uu gara fuulduraa karaa lamaan kan inni ilaalu.

1) Mul'ata 20:4 fi 6 irratti inni kan inni argisiisuu kan fakkatuus mo'iicha bar-kumeeti
2) Mul'ata 22:5 irratti kan argisiisuu kan fakkaatuu mo'icha bara baraati (Faru. 145:13, Isa. 9:7, Daani'eel 2:44, 7:14, 18, 27)

3) Barkumichi bak-buusaa kan bara baraatti ta'uu kan danda'u

UBS [4] kan inni kennuu yeroo raajii "A" sadarkaa qaba (sirritti kan beekame).

## Mata duree addaa: Mootummaa Waaqayyoo keessatti mo'uu

kristoosi wajjin yaad-rimeen mo'uu "mootummaa Waaqayyoo" kan jedhamuu kutaa ramaddii barnoota afuuraa guddaati. Kun kara kakuu moofaatiin darbee kan dhufee dha, Waaqayyoo mootii Israa'eel dhugaa akka ta'ee (1 Samu. 8:7). Inni baka-buusumaadhaan moo'eera (1 Samu. 8:7, 10:17-19) dhaloota hundumaatiif gosa Yihudaa irraa (Uumama 49:10) fi gosa Hisayii irraa (2Saam. 7).

Yesuus Masihicha kan ilaalatee raawwata abdii raajii kakuu moofaati. Innis mootummaa Waaqayyoo eebbiseera Betelehimitti foon uffachuudhaan. Mootummaa Waaqayyoof, lallabi Yesuus utubaa giddugaleessaati. Mootummaan isaa isaan raawwatee dhufeera (Mat. 10:7, 11:12, 12:28, Mari. 1:15, Luqaas 10:9, 11, 11:20, 16:16, 17:20-21).

Ta'us, mootummaan isaa immoo kan fuuldurati (kan bara dhumaa). Inni kan ammaati garuu hin gonfanne (Mat. 6:10, 8:11, 16:28, 22:1-14, 26:29, Luqaas 9:27, 11:2, 13:29, 14:10-24, 22:16, 18). Yesuus duraan kan dhufee rakkina kan dhufee tajaajilaa rakkina fudhatuu ta'eeti (Isa. 52:13-53:12), gad of qabuudhaan (Zakka. 9:9) ha ta'uu malee akka mootii moototaatti deebi'a (Mat. 2:2, 21:5, 27::11-14). "Mo'uu" yaad-rimeen isaa dhugumatti "mootummaa" kutaa barnoota afuuraati. Waaqayyoo mootummaa duukabuutuu Yesuusiif kenneera (Luqaas 12:32 ilaali).

Yaad-rimeen Kristoosii wajjin mo'uu gaaffi kallattii heeddudhaan qabu.

1) Waaqayyo amantootaaf kara Kristoos kan inni kenneef "mootummaa" dubbifamni kana cimsan "mo'uu" nu argisiisuu (Mat. 5:3, 10, Luqaas 12:32)?
2) Jechi Yesuus duuk-buutoota isaa gurguddoo, jaarra tokkoffaa qabiyyee barreefama Yihudootaa, amantoota hundumaa ilaalaataa (Mat. 19:28, Luqaa 22:28-30)?
3) Cimsi Phaawuloos, amma bara kanatti waa'ee mo'uu kan jedhuu barreefama gara oli wajjin wal morma yookaan dabalata (Rome 5:17, 1 Qoro. 4:8)?
4) Rakkina fudhachuu fi mo'uu akkamitti wajjin deema (Rome 8:17 2Ximo. 2:11-12, 1Phexi. 4:13, Mul'ata 1:9)?
5) Qabatamni irra deddeebii mul'ataa ulfina qabeessa mootummaa Kristoos hirmaachuu dha, mo'chi sun garuu
   a) Kana lafaati, 5:10
   b) Kan bar-kumee, 20:5-6
   c) Kan bara baraa, 2:26, 3:21, 22:5 fi Daani. 7:14, 18, 27?

## MUL'ATA 5:11-14

**11 Kana booddee ani ergamoota baay'ee teessichatti, uumama lubbuu qaban sanatti, maangudoota sanattis naanna'an nan arge, lakkoofsi isaaniis kumaatama, kuma kumaatamaas ture; sagalee isaanis na dhaga'ee*. Isaan sagalee guddaadhaan hoolicha inni qalamee aangoo, badhaadhummaa, ogummaa, human, ulfina, guddina, hooqubaa fudhachuuf kan malee dha" jedhan*. 3 Wanti waaqa irratti, lafa irratti, lafa jalatti, galaana keessatti uumamee, isaan keessa jirus hundinuu, "Hooqubaan, ulfinni, guddinni, aangoon, isa teessoo irra taa'ee jiru sanaaf, hoolichaafif baraaa hamma bara baraatti ha ta'u!" jechuu isaanii nan dhaga'ee*. 14 Uumamni lubbuu qaban afranis "Ameen!" jedhan; maanguddoonnis gombifamanii sagadan*.**

**5:11 "Ergamoota baaay'ee"** lakkoofsi kun abba ramaddii sadii ergamoota tarreessa: (1)Ergamoota baay'ee (kuma yeroo kuma), (2)Bineensoota (afur), yookaan (3)Jaarsooli (digdami afur).

▣ **"Lakkoofsi isaaanis danuu yeroo danuu fi kuma yeroo kuma ture,"** kun dhadecha Waaqa irraati Daani. 7:10 irratti kan jiru kan eeru fakkaata. (5:1 irratti yaadannii jiru ilaali).

**5:12 "Hoolaa qalamee, humna fudhachuuf"** kun mirkaneefannaa ilmaati, argama ergamootaa irraa. "Kan qalamee" keeyata xumuramee hoji irra ooleedha (cf. 5:6, 13:8), tokkummaan isaas " yeroo darbee kan qalame",

qalamuu isaatiinis mallattowwanii fi dhiibbawwan kan qabuu dha. Yesuusin yeroo ilaalu, amma iyyuu sichii mallattoon fannifamuu isaa qabuu. Isaanis mallattoo ulfinaa ta'eera! Mul'ata irratti yaad-rimeen fannoo isaa kan of keessatti qabatuu fi giddu galeessa dha. 5:9 irratti yaadannooo isaa ilaali.

Lakkoofsa kana irratti hoolichaaf bu'aa torba laateeraaf, duraa duuba ergamootaatin:

1. Humna
2. Badhaadhina
3. Ogummaa
4. Guddina
5. Ulfina
6. Oljedhuu
7. Eebba

Bu'aawwan kun kan dhufan 1Seenaa 29:10-12 ta'a, innis immoo kan kakuu moofaa waaqeffannaa wali wajjini madda guduunfaa ta'a, kadhata gooftaa, Mati. 6:13 irratti, Girikiidhaan seera barreefama harkaatiin.

NASB qayyabannaa kitaaba qulqulluu (fuula 1855) yaadannoo dabalata, bu'aan Waaqayyoo sadiin akka jalqabuu 4:11 irratti, achi irraas 4:5:13 irratti, dhumma irratti torba 5:12 fi 7:12 irratti. Og-barruu Apokilaptikii sharbee baay'ee caasefame akka ta'e yaadadhu, fakkeenya lakkoofsaa irra deddeebi'ee kan itti fayyadamu.

**5:13** yaaduu kan danda'uu uumamni namaa hundumtuu (garee guddaan faarfatoota namoota ta'uu kan danda'u), namoota (jireenayatti kan jiranii fi kan du'an) lakkoofsa 13 irratti abbaa fi ilma eebbisu, eebba afraniitiin, (cf. Lak.. 14, Faru. 103:19-20, Fillp. 2:8-11) fi ramaddiwwan ergamootaa (bineensoota arfanii fi jaarsolli digdami afran) teessicha naanna'anii eebbicha jabeessu (cf. lakk. 14).

**5:14 "Ameen"** kun teessoo ergamoota afrani kan mirkaneessuu dha (bineensoota afran). Mata duree addaa 1:6 irratti ilaali.

## GAAFFILLEE MAREE

Qayyabannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'e kana jechuunnis garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti hiikuudhaaf itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuutu nurra jiraata. Hiiktootni jalqaba sii, kitaaba qulqulluu fi afuuraa qulqulluu turan. Deebii kee kanas hiiktoota irratti jecha biraatiin akka hin fudhane.

Gaaffillee mare kana kan kennaman dhimma kutaa gurgudaa kitaaba kanaa akka ta'uutti akka qayyabatuu akka si fayyaduuf. Kana jechuun akka ta'utti akka yaaddu si kakaasuu malee kana qofatti akka daangooftuu miti.

1. Boqonnaa 4 fi 5 wali gala qabatama kitaabichaa wajjin akkamitti wal simata?
2. Boqonnaa 4 fi 5 sahrbeen barreefamaa maalii dhaa?
3. Fakkii kana Yohaannis burqaa kam irraa fudhatee?
4. Jaarsoolliin sun eenyuudhaa?
5. Bineensootni sun 4:7-10 irrattii Kiruubel yookaan Suraafel jedhamuun ibsameeraahii?
6. Boqonnaa 5 irrati kan argaman kan Masihichii kakuu moofaatti ittiin waamamuu tareessi.
7. 5:9 fi 10 irratti kan argamuu Masihichii kan ta'uuf ta'uu isaa kan eeruu ibsa shan tarreessi.

# MUL'ATA 6:1-7:17
# RAMADDII KEEYATA HIIKAWWAN HAARA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Mallattowwan | Mallattoo jalqabaa: Kan mo'uu | Kan jalqabaa mallattoo jahan akkaata baniinsa | Mallattoowwan | Hoolicha mallattoo torban hiiki |
| 6:1-2 | 6:1-2 | 6:1-2 | 6:1-2 | 6:1-2 |
| | Mallattoo lammaffaa: Lola biyya lafaa irraa | | | |
| 6:3-4 | 6:3-4 | 6:3-4 | 6:3-4 | 6:3-4 |
| | Mallattoo sadaffaa: Hanqina biyya lafaa irratti | | | |
| 6:5-6 | 6:5-6 | 6:5-6 | 6:5-6 | 6:5-6 |
| | Mallattoo afuraffaa: Biyya lafaa irratti du'a Babal'ate | | | |
| 6:7-8 | 6:7-8 | 6:7-8 | 6:7-8 | 6:7-8 |
| | Mallattoo shanaffaa: Iyya kitimamtootaa | | | |
| 6:9-11 | 6:9-11 | 6:9-11 | 6:9-11 | 6:9-11 |
| | Mallattoo jahaffaa: Jeequmsa humna samii | | | |
| 6 :12-17 | 6:12-17 | 6:12-17 | 6:12-17 | 6:12-17 |
| 144,000 Israa'eel Irraa kan maxanfame eegamu | Israa'el irraa kan maxanfamee | gidduu kan galee | 144,000 saba Israa'eel | Garbootni Waaqayyoo Ni |
| 7:1-8 | 7:1-8 | 7:1-8 | 7:1-8 | 7:1-8 |
| Tokkoon tokkoon Baay'ina sabaa qulqullootaa | Rakkina isa guddaa irraa kan dhufan Baay'ee | | saba baay'ee | Badhaafamuu |
| 7:9-12 | 7:9-12 | 7:9-12 | 7:9-12 | 7:9-12 |
| 7:13-17 | | 7:13-17 | 7:13 | 7:13-17 |
| | | | 7:14a | |
| | | | 7:14b- 17 | |

**Ramaddii dubbifamaa fuula sadii (fuula V ilaalii kutaa seensaa)**

Yaada barreessaa jalqabaa sadarkaa keeyata isaatiin duukaa bu'uu

Qajeelfamni hiika qayyabannaa kanaa yeroo ta'uu, sana jechunis garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen adeemutu nurra jiraata. Hiiktooni jalqaabaa atii, kitaaba qulqulluudhaa fi afuura qulqulluu dha. deebii kee kanaa isa hiiku irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Boqonnaa sana ala tokko dubbissi. Yaada ijoo isaa irratti (ramaddii dubbifamaa lakkoofsa 3 fuula vii). Ramaddii yaada ijoo kee olitti kan trreefaman hiikoota shananii wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyata sana irratti argamuu baatuus yaada barreessaa jalqabaa kan ta'ee hiikii guddaan keessatti argama. Tokkoon tokkoon keeyatichaa yaada ijoo tokko qofa qabata.

1. Keeya jalqabaa
2. Keeyata lamaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f

**QABIYYEE HAALA BARREEFAMICHAATI**

A. Kutaan kun akka haala barreeffamichaatti boqonnaa 4 fi 5 wajjin adeema. Boqonnaa 4 fi 5 ta'ii samii irra jiru yeroo ibsan 6:1-8:1 immoo kan hin dachaannee firdii Waaqayyoo lafa irratti argisiisa. Akka dhugaa isaa yoo ta'ee, 4:1-16:21 ramaddii barreefamaa tokko uumu.
B. Eenyummaa isa gulufsiisuu jalqabaa (cf. lakk. 2 rakkisaa dha), yeroo tilmaamuu fakkeenya isa hamaati, abbaan fardaa afran, amantootni kan ittiin wal'aansoo qaban fakkeenya ari'atamaati, kan kufeen, addunya diina (Maatti 24-6-7).. "Rakkina" jechi jedhuu (thlipsis) dhaabbataa fi ifatti faayidaa irra kan oolee waa'ee rakkina kiristaanootaati, kan hin amaniniin.

   Mallattoo jahaffaan lakkoofsa 12 irratti kan jalqabuu kan inni ibsuu dheekamsa Waaqayyoo warra hin amaniin irratti. Amantootni dheekamsa Waaqayyoo irraa eegamaniiru (orge, cf. lakk. 16), ha ta'uu malee ari'atamaa fi dheekamsii addunya hin amanne irraa isaan eegata.

C. Kutaa kana keessa rakkoo hiikaa guddaa sadituu argama.
   1. Mallattoo, fiinoo fi xoofowwan wali walii isaanii seenaadhaan akkamitti wali wajjin adeemu
   2. 7:4 irratti kan jiran 144000 eenyuu fa'ii 7:9 irratti kan jiran ramaddiwwan lamanii wajjin akkamitti adeema
   3. 7:14 irratti ramaddiin eeramee yeroo rakkinaa isa kamii dha rakkina akkamitis

## QAYYABANNAA JECHAA FII GAALEE

**Mul'ata 6:1-2**

**1Kana boodee hoolichi mallatowwan torban keessaa isa tokko utuu banuu nan argee, uumama lubbuu qaban arfan keessaa immoo inni tokko sagalee akka qaqaweetiin, "kottu!" jedhuu isaa nan dhaga'e*. 2Ani achi ilaaleen farda adii tokko argeinni fardicha irra taa'e immoo iddaa harkatti qabate, gonfoon tokkoos isaaf in kenname. Inni mo'aa, ammaa mo'uudhaaf in ba'e*.**

**6:1 "Hoolichis mallattowan jahaan keessaa tokkoo yeroo baneetti"** lakkoofsi kun kan inni argisiisuu boqonnaa 5 fi 6 gidduu walitti dhufeenya jiruu dha. mallattoowwan kun kan hiikaman kitaabichi osoo hin dubbifamiin dura, hiiktootni heedduun baay'ee baay'atan kan isaan tilmaaman isaan baroota keessatti rakkinoota uumaman kan bakka bu'anii dha (Mat. 24:6-12). Ta'us, hammaachaa kan dhufuu sababa firdii jaabaateef, isaan kun raawata barootaaf, akkuma sanaan kan qopheesanii dha. mootummaa isaati kan ammaatii fi kan fuulduraa gidduu kan jiruu dhiphinni asitti. Kakuu haaratti achi jedhe as jechuun jira, "ammaan dura" fi "amma amma" gidduu. Macaafni mul'ataa mataan isaa dhiphina kana argisiisa. Inni kan barreefame kiristaanoota jaarraa tokkooffaa keessa kan ari'atamaniif (kanaaf baraa baraatti) akkasumas haala raajiitiin dhuma dhaloota amantootaas ni ilaalata. Rakkinoonni baroota gidduutti kan baratamanii dha!

Mallattoo inni torbaffaan fiinoo torbanuuti, akkasumas fiinoon torbaffaan xoofoo torbanuutti. Akkauma galmeefamee tokkoon tokkoon isaa kan jabaateedha kan duraa caalaa. Kan duraa lamanuu, kaayyoo isaatti kan furanii dha. Isaan ka'umsuma irraa kan isaan argisiisan firdiin Waaqayyoo dhugaa ta'uu isaati, sababni isaa warri hin amanne qalbii waan hin jijjirannees kanaafuu marsaan dhumaa (jechuun, xoofoowwan) qalbijijjirannaadhaaf carraa hin qaban firdii qofa! Akka natty fakkaatutti garuu mallattoo torbaffaa fi fiinoo torbaffaan dhuma barichaa ibsu. Kanaaf, isaan uumama isaanii irraa aluma tokko kan ta'aanii dha, tartiiba duraa boodaatiin osoo hin taane.

Deebi'ee dhufuun tokko yeroo sadi ibsameera, dhuma mallattichaa irraa (cf. 6:12-17)fi fiinoowwan (cf. 11:15-18), akkasumas akkuma xoofoo isa dhumaa osoo hin taanee 16:17-21 fi dabalataanis Mul'ata 19:11-21. Kun garee caasaa kitaabichaati. Innis baacoo Apokilaptikiiti, gocha heedduudhaan! Seensa mul'ata C ilaali.

▣ **"Bineensa arfan keessaa inni tokko sagalee bakakkaa fakkaatuu qaba"** bineesi afranuu, akka jaarsoolli, kan sadarkaa uumama ergamootaati. Sagaleen kun, akka bakakkaa 14:2 fi 19:6 irratti eerameera.

▣ **"Kottuu"** jechi kun hiiki isaa tokko illee "kottuu" yookaan "gara fuulduraatti deemii" jechuu dha. Qubeen Girikii geengoon durii barreefamni Sinayitiksi ingilliffa irraa fudhate (א) "ilaali" kan jedhu dabala (KJV, NKJV, innis Yohaannisin eera), Aleksanderis garuu (A) "kottuu" duwwaadha kan qabu (innis fardeewwan afran kan eeruu dha). UBS[4] isa xiqqaa "B" ni fillata, sadarkaan isaas (guutuu guutuutti osoo hin taane beekama dha). Akka haala barreefamichaatti aboomiin kun (xiyyaafataa yeroo ammaa) Yohaannisiin yookaan waldaa kiristaanaa hin eeruu, gara abbaa fardeen afran malee (cf. 6:3, 5, 7).

**6:2 "Nan argee, kunnoo farda adii"** kun akka haalaa barreefamichaatti Zakkariyaas 1:8 kan eeruu dha (fardeen afran( fi 6:1-8 (konkolaataa afran). Waa'ee eenyummaa abbaa fardeeni kanaa marii baay'een godhameera. Sadarkaan hiiktootaa Yesuus irraa jalqabee (Iraaniyus) hanga mormituu Kiristoos ga'a. jeequmsa akka sanaa, anatuu beekaan sirri miti. Warri tokko tokkoo kan isaan amanan, kan inni eeru Kristoosidha kan jedhuun, 19:11-21 irratti kan argamuu sababa ibsa wal fakkaadhaan, qophaa isaa wal fakkeessee kan fakkaatuu garuu halluu fardichaati. Kan biroon kan isaan ilaalan kun kan eeruu waa'ee Wangeela tamsaasuuti. Sababa kun ta'eefis isaan kan ilaalan boqonnaawwan kana haasaa Olibveeti kan ta'e irraa Mat. 24, Mar. 13 fi Luqaas 21 wal cina ta'uu isaaniti. Kanaaf kun ni ta'a jedhamee kan yaadamuu kan Mat. 24:14 fi Mari. 13:10 kan eeruu dha.

Akkasumas kan jedhamuu, Hizqeel 39 irratti hundaa'uudhaan, kun kan argisiisuu Gogi dha, saba Waaqayyoo irratti loltuu isaa kan geggeessu. Kun bakbuusaa bara dhumaa mormituu Kristoosi dha (2Tas. 2). Innis baay'ee waan hin baratamne fakkaata, ergamaan akka Yesuus dhufuuf yeroo aboome. Ammam illee Yesuus boqonnaa 6 fi 19 irratti gonfoos yoo keewatee gonfoowwan kana ibsuudhaaf faayidaa irra kan oolan jechi Girikii kan adda ta'anii dha. achitti, Yesuus, "amanamaa fi dhugaa" jedhameera, as garuu hin jiru. Mo'ichii abbaa fardaa raawwatee hin eeramne. Abbaan fardaa xiyya xiyyeefatamee akka qabateetti, boqonnaa 6 irratti, boqonnaa 19 irra Kristoos bil'aa gara lamaan qaramee afaan isaa irra jira, kanaaf wal fakkeenyi isaa gaadisa irra buuseera. Kun tarii dha'icha kakuu moofa keessaa isa tokko. Dha'ichi kun isaanis kan Leewoota 26 fi Hizqeel 14:21 kan eeruu lakk. 8 irratti argama. Halluu adiin fakkeenya tolaa qofa miti, garuu immoo kan mo'icha loltuu fakkeenya Roomaati. Geneeralooni Roomaa lola irratti kan mo'an konkolaataa irra ta'aan dirree Room ni naanna'u, farda adaadi afuriin harkifamani.
▣ **"Isa irra ka taa'ees xiyya qaba"** xiyyi meesha filatamaa ture, abbaan xiyyaa Poortiyaa Hordaas (fardoota adiidhaan kan gullufan). Yeroo baay'ee kakuu moofaatti faayida irra kan oolu Yaahiwwee akka lolaatti ibsuudhaaf (Faru. 45:4-5, Isa.41:2, 49:2-3, Imba. 3:9, Zak. 9:13 fi Uma. 9:13). Akkasumas kan Yaahiwwee fakkeenyonni jiru, saba biroo irratti yeroo faraduu, bifa fakkiduutiin xiyya isaani cabsuudhaan (Faru. 46:9, Ermi. 51:56 fi Hosee 1:5).

▣ **"Gonfonis ni kennameef"** kun "stephanos" gonfoo dha, hiiki isaas gonfoo mo'ichaa, 19:11 irrati kan eerame kan Kristoos immoo "diadema," gonfoo mootiiti.

▣ **"Mo'aa ba'ee, mo'uuf"** lakk. 1 irratti kan jiran bakbuusoota lolaa fi mo'ichaati. Kan jalqabaa fi fardawwan lamaffaa kaayyoo wal fakkaataa dhaa fi sababa eeramaniif, warii tokko tokkoo isa jalqabaa kana kan isaan akka lola mo'ichaatti, inni lamaffaan immoo akka lola wali walii wajjiniiti. Kun tilmaamaan ha ta'uu malee fardi lamaan wal cina.

## MUL'ATA 6:3-4

**3Yeroo hoolichi mallattoo isaa lammaffaa bane immoo,uumamni lubbuu qabuu inni lammaffaan, “Kottu!” jechuu isaa nan dhaga’e. 4Fardi biraa diimaan biluun tokkos ni ba’e, isa fardicha irra taa’eef immoo nagaa lafa irraa balleessuuf namooni akka wal gora’aan gochuun in kennameef; akkasumas billaan guddaan tokko isaaf in kenname.**

**6:4 “Kan biraanis diima biluun”** kun immoo kan biraa kan loltoota ajeechaa kan eeruu dha.

▣ **“Bil’aan guddaan kennameef”** kun isa xiqqaa billaa Roomaati, “machaira” kan jedhamu. qabatoo bututaa hidhannoo loltuu Roomaa irratti, lammii Roomeetii fi fiordiin du’aa kan ittiin raawwatu ta’a (Room. 13:4). “Namoonnis wali wali isaanii akka gora’aa” gaaleen jedhu ajaa’ibsiisadha, sababni isaa kakuu moofaatti kun karaa isa tokkooffaa dha, Yaahiwwen diina saba isaa mo’uuf kan itti fayyadame (Abboota firdi 7:22, 1Saamu’eel 14:20, 2sen 20:22).

## MUL'ATA 6:5-6

**3Yeroo hoolichi mallattoo isa lammafaffaa bane immoo, uumamni lubbuu qabu inni lammaffaan, “Kottu!” jedhuu isaa nan dhaga’e*. 4Fardi biraa diimaa biluun tokkos in ba’e, isa fardicha irra taa’eef immoo nagaa lafa irraa balleessuuf, namoonnis akka wal gorra’an gochuun in kennameef, akkasumas billaan guddaan tokko isaaf in kenname*.**
**4Yeroo hoolichi mallattoo isaa sadaffaa bane immoo, uumamni lubbuu qabu inni sadaffaan, “Kottu!” jechuu isaa nan dhaga’e. Anis achi ilaaleen farda gurraacha tokko arge, inni fardicha irra taa’es madaali of harkaa qaba ture. 6 Yemmus ani wanta sagalee fakkaatuu, uumama lubbuu qaban afran gidduudhaa, “Qamadii safartuu xinnoo tokko gatii dadhabbii guyyaa tokkoo, garbuusa fartuu xinnoo sadiis gatii dadhabbii guyyaa tokkoo godhi! Ejersaa fi muka wayinii garuu hin miidhiin!” jedhu nan dhaga’e*.**

**6:5 “Nan argee, kunoo farda guracha”** kun mallattoo beelaatti (Mat. 24:7) lola kan hordofu.

**6:6 “Qamadii safartuu tokkoo diinaariidhaan”** diinariin gatii oolma guyyaa tokkoo ture, loltuudhaaf yookaan hojjetootaaf (Mat. 20:2). Herodutus irraa akka baranuutti kun nama tokkoof guyyaa tokkoo nyaata isa ga’uu bituu danda’a. kun immoo hamaa ta’uu beelichaa argisiisa: namni tokkoo guyyaa guutuu hojjetee nyaata isa ga’uu duwwaa mataa isaatiif argata.

## MATA DUREE ADDAA: FILISTEEMITTI YEROO YESUUSITTI FAAYIDAA KENNAA KAN TURAN SAANTIMOONNI

I. Saantimoota sibila diimaa
   A. cherma- gatii xiqqoo (Yohaa. 2:15)
   B. chalchos- gatii xiqqoo (Mat. 10:9, Maariqoos 12:41)
   C. assarion- gatii xiqqoo saantimii sibila diimaa Roomaa kan dinaarii 1/16 gatii kan qabuu (Mat. 10:29)
   D. kodrantes- santimii sibiila diimaa Roomaa kan diinaarii 1/64 gatii kan qabu (Mat. 5:26)
   E. lapton – saantimii sibila diimaa Yihudootaa kan diinaarii 1/128 gatii kan qabu (Maariqos 12:42, Luq 21:2)
   F. quadrans/farthing – saantima sibilaa diimaa Room k=gatii xiqqoo kan qabu

II. Saantimoota meetii
   A. arguros – (“saantimoota meetii”) - saantima sibilaa diimaa yookaan saantima biraashoo irraa baay’ee gatii kan qabu (Mat. 10:9, 26:15)
   B. denarius – saantima meetii kan Room hojii guyyaa tokkoof kan kafalamuu (Mat. 18:28, Mar.6:37)
   C. drachme – saamtimii meetii Girikii gatii diinaarii wajjin wal qixa kan ta’ee (Luqaa 15:9)
   D. di- drachmon – dachaan isaa drachmas kan Yihudii irraa ½ sheekil wajjin wal qixa kan ta’ee dha (Mat. 17:24)
   E. stater – saantimii meetii gatii diinaarii afuri kan qabuu dha (Mat. 17:27)

III. saantimi warqee – chrusos (“saantimonni warqee”) __baay’ee saantimoota gatii qabanii dha (Mat. 10:9)

IV. kan ulfaatinaatii fi kan sibilootaa ulfaatina wali galaa

A. mnaa – laatinidhaan mina, madaali ulfaatina sibiilaa *dēnarii* 100 wajjin wal qixa kan ta'u (Luq 19:13)

B. talanton – madaaltuu ulfaatinaa kan Girikii (Mat. 18:24, 25:15, 16, 20, 24, 25, 28)
   1. meeti 6,000 gatii dinaarii qaba
   2. warqeen 180,000 gatii diinarii qaba

C. sheqel – kan kakuu moofaa Yihudootaa madaltuun meetii (Uma. 23:15, 37:28, Ba'uu 21:32)
   1. *pΠm* – 2/3 seqil
   2. beka – ½ seqil
   3. gerah – 1/20seqil

   madaaltuwwan gurguddoo
   1. maneh – 50 seqil
   2. kikkar – seqil 3,000

▣ **"Garbuu safartuu iqqoo sadii dinaariidhaan"** garbuun nyaata hiyyeessaa isa guddaa ture.

Jechi Girikii "quarts", "choinx dha, 1.92 pint (kuwarti) wajjin wal qixa.

▣ **"Ejersaa fi muka wayinii hin miidhiin"** kana kan ilaalate ammam hiika akka qaban kan nama ajaa'ibsiisuu dha. Baay'een deebi'anii gara kitaaba maramaa mana qulqullummaatti gara garba du'aa maramaa sanatti deemuu yaalu, aarsaa Yihudootaa tokko tokkoo kan eeruu barbaaduuf. Ejersaa fi muki wayinii nyaata guddaa uummata Meditiriyanii ture. Isaan kun akka hin miidhamne dhugaa argisiisu beela daangaa qabuu dha. murtaa'ummaan kanaa lakkoofsa 8 irratti immoo ni argama. Waaqayyo firdii sana daangaa itti godhe, warri hin amannee qalbi akka jijjiratan yeroo kennuufiin (cf. 16:9). Akkasumas immoo isaan lamaan kun tajaajila yaalaatiif oolaa akka turan ilaaluun ni danda'ama.

## MUL'ATA 6:7-8

**7Yeroo hoolichi mallattoo isaa aafuraffaa bane immoo, sagaleen uumama lubbuu qabuu isa afuraffaa, "Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e. 8Yemmuus ani achi ilaaleen farda baalqajjii tokko arge. Inni fardicha irra taa'es maqaanisaa "Du'a" injedhama, mootummaan warra du'aniis isa duukaa adeeme. Lafa kana irratti harka afur keessaa harka tokko, billaadhaan, beelaan, dha'ichaan, bineensa caakkaatiin akka ajjeesaniif aboon isaaniif in kenname*.**
**9Yeroo hoolichi mallattoo isa sahanaffaa bane immoo, ani iddoo aarsaa jalatti lubbuu warra dubbii Waaqayyootiif, wanta dhugaa ba'aa**

**6:8**
**NASB** **"farda diimaa biluu"**
**NKJV** **"farda daalacha"**
**NRSV** **"farda daalacha magariisa"**
**TEV** **"farda halluu dalaacha qabu"**
**NJB** **"farda du'a fakkaatu"**

"Kan daalachaa" jecha jedhu kan argisiisu keeloo-magariisa yookaan halluu daalacha adii dha. afaan ingillifaan "kilorin" jecha jedhuu kan arganne jecha Girikii kana irraati. Innis ta'uu kan qabuu kan halluu qaama du'aati. Du'a jechuu akka ta'ee lakkoofsa 8 irratti sababa eeramuu isaatiin, kun kan inni argisiisuu bineensa bosonaatiin kan du'an yookaan kan nyaataman innis abarsa kakuu moofaa irraa tokko kan ta'ee (Leewota 26:22, Ermi 15:3, Hiz. 5:17, 14:21).

▣ **"Isa irras kan taa'ee maqaan isaa du'a, si'oolis duukaa bu'e"** kun kakuu moofaa kan eeruu dha Fakkeenya 5:5 yookaan Hosee 13:14. Innis jecha namaatiini dha, jireenya fooniitiin ga'u. jechi lamaan kun wali wajjin yeroo sadii faayidaa irra oolaniiru, mul'ata irratti (cf. 1:18, 20:13-14).

"Hades" jechi jedhuu jecha kakuu moofaa "sheol," wal fakkaataa dha, hiiki isaas "bakka warri du'an turan" kan ta'e. mata duree addaa: warri du'an eessa jiruu? 1:18 irratti ilaali.

▣ **“Lafa irraa harka afur irratti aboo kenneef”** “isaan” kan jedhu maqadhaal hubadhu, hundumaa fardeen afurii fi kan irra ta’an kan ilaalatuu dha. fiinoo irratti jabaachaa kan dhufe firdiin jira (jechuunis, harka sadii keessaa tokkoo cf. 8:7, 8, 10, 12), xoofowwan sanaan raawwatee badiisni jira (cf.16:1-21). Qoqodamni kun tooftawwan barreefamaa yeroo ta’aan, kan isaan argisisanis firdiin Waaqayyoo kaayyoo oolchuu akka qabuu dha (cf. 9:20-21, 14, 7, 16:9, 11), ha ta’uu malee kan kufee, isa hamaa, boqu jabeessi ilma namaa deebii hin laanne (ammam illee xiqqoos yoo qabaatee, cf,. 11:13).

▣ **“Ajjeesuudhaaf”** fardeewwan afran kun firdii kakuu moofaa bakka bu’uu (Seera leewota 26:21-26, Ermi. 15:2-3, 24:10, 27:8, 29:17-18, 32:24, 36, 34:17, Hiz. 5:12, 17, 14:21, Amos 4:6-10). “Billaa” jechi jedhuu lakko. 4 adda kan ta’ee dha. kun kan inni argisiisu billaa lola dheeraati, hromphaia. Afranuu hundumtuu lola firdii kakuu moofaati, beela, dha’ichaa fi bineensa bosonaa Lewoota 26:21-26 fi Hiz. 14:21 irratti tarreefameera. Firdiin kakuu kun immoo seera keessa deebii 27-29 irratti ifatti ibsameera. Ka’umsuma irraa kaayyoon isaanii Israa’eel qalbi akka jijjiratuu fi gara Yaahiwweetti akka deebi’uu gochuuf akka turee yaadadhu. Isaan kunnis bifa wal fakkaatuun furuudhaaf faayidaa irra oolera (cf. 9:20-21, 11:13, 14:7, 16:9, 11).

## MUL'ATA 6:9-11

**9 Yeroo hoolichi mallattoo isa shanaffaa bane immoo, ani iddoo aarsaa jalatti lubbuu warra dubbii Waaqayyootiif, wanta dhugaa ba’aa turanitti jabaachuu isaaniitiif jedhanii qalamanii nan arge. 10 Isaan sagalee guddaadhaan iyyanii, yaa gooftaa guddaa, qulqulluu fi dhuga qabeessa! Warra lafa irra jiraatanitti nuuf farade amma dhiiga keenyaaf gummaa nuuf baaftuutti ammam tura?” jedhan. 11 Yemmuus adduma addaan uffanni adaadiin isaaniif kenname, obbollonni isaani, hoji Waaqayyoo keessatti hidhati isaani, warri akkuma isaanii ajjeefamuuf jiran amma raawwatanii gumaa’anitti yeroo xiqqoo dabalanii akka haara galfatan isaanitti himame.**

**6:9 “Iddoo haarsaa jalatti nan argee”** kun iddoo haarsaa isa kam akka ta’ee marii baay’en geggeefameera “iddoo haarsaa” jechi jedhuu mul’ata irratti baay’ee irra deddeebi’ee faayidaa irra ooleera (cf. 8:3, 5, 9:13, 11:1, 14:18, 16:7). Tokko tokkoo akka amananitti kun kan inni argisiisu Lewoota 4:7 fi Phaawuloosiin Filli. 2:17 irratti kan eeramee dha yeroo jedhan, kan biroon immoo kan amanan mana qulqullummaa isaa keessa bakka qulqulluu kan jiraatuu iddoo haarsaa qumbiiti jedhu (cf. 8:3-5) yookaan Mul’ata 11:1 mana qulqullummaa. Inni tarii bakka haarsaan itti haarsamu ta’a, sababni isaa

1. Barsisoonni kanaa kan isaan argisiisan akka bakka ulfina guddaa qabuuti
2. Innis kan inni argisiisu dua’a (jechunis, Dhiiga) kitimamtoota

Inni tokkoo gaaffachuu danda’a, “kitimamtootni iddoo haarsaa jalatti maaliif walitti qabamuu?” kakuu moofaatti dhiigni bakbuusa jireenyaa akka ture yaada dha (9:4, Leewota 17:11, 14). Israa’elitti seerri haarsaa dhiigichii gaanfaa haarsaan itti dhi’aatuu keessa hin taa’u ture, ha ta’uu malee jalatti dhangala’a (Bau 29:12, Leewota 4:7, 18, 25, 8:15, 9:9). Kanaaf, jireenya (jechuun, lubbuwwan) kitimamtooni qalaman iddoo aarsaa jalati dha.

▣ **“Lubbuu kitimamtootaa”** lubbuwwan kun, lubbuwwan foon irraa adda ba’anii dha (du’aa fi du’aa ka’uu gidduu) haarsaa kan ta’an amantootni (cf. 13:15, 18:24, 20:4). Kun kan nama ajaa’ibsiisuu dha, lubbuu foon irraa adda ba’aanii, sababni isaa kun akkaataa yaada Girikiiti, yaad-rimee Ibirootaa caalaa. Kiritaanootni hundumtuu haarsaadhaa ta’uudhaaf waamamaniiru, haalli isaa yoo gaaffatee *cf. 2:10, 13, Mat. 10:38-39, 16:24).

Fardoota afran sanaan kan du’an 6:1-8 fi kitimamtoota kana gidduu walitti dhufeenyi tokko iyyuu hin jiru!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Sagalee Waaqayyoo irraa fi dhuga-baatii isaanii irraa kan ka’ee”** |
| **NKJV** | **“waa’ee sagalee Waaqayyooti fi waa’ee dhuga-baatii isaani”** |
| **NRSV** | **“waa’ee sagalee Waaqayyootii fi waa’ee dhuga-baati godhaniif”** |
| **TEV** | **“Sagalee Waaqayyoo labsuu isaaniti fi dhuga -baatii isaanitiin amanamoo ta’uu isaanii”** |
| **NJB** | **“Sagalee Waaqayyoo irraa kan ka’ee, isa dhugaa ba’uu isaanii”** |

Gaaleen kun qabatama irra deddeebi'aa dha , mul'ata irrati (cf. 1:9, 12:11, 17, 19:10, 20:4). Innis hiika irratti baay'ee wal fakkaataa dha "kan mo'uu" gaalee jedhu wajjin (cf. 2:6, 11, 17, 26, 3:5, 12, 21).

**6:10 "Amma yoomitti hin faradduu, dhiiga keenyas….ijaa hin baatuu"** yaada kennitootnibaay'een kana kan ilaalan akka bakka bu'aa kiristaanaa ta'uu dha. kun kan ta'e tarii yaada kennitootni kun mataa isaanii kan hin amannetti ari'atama hamaa keessa raawwatani darbuu dhiisuu isaaniiti. Namoonni kun ijaa ba'uu miti kan isaan gaaffatan, firdii dha malee! Kun keessa deebii 32:43 (Mul'ata 19:2) kan eeruu ta'a. Gaaffiin kun of eegachiisa Phaawuloos duukaa bu'a, Roome 12:19 irratti.

▣ **"Yaa gooftaa"** jechi kun "Gooftaa" (*despotēs*) taayitaa guutuu ibsa. Jechi ingilliffaa isaa "mootummaa abbaa hirree" kan argannee jecha Girikii kana irraati. Innis Yaahiwweedhaaf faayidaa irra ooleera Luqaas 2:29 fi Hoji.ergamootaa 4:24 irratti akkasumas Yesuusiif 2ffaa Pheexiros 2:1 fi Yihudaa lakk. 4 irratti.

▣ **"Lafa irra kan jiraatan irratti"** kun Mul'ata irratti gaalee baratamee dha, innis yeroo hundumaa kan inni argisiisuu namoota hin amanin (cf. 3:10, 8:13, 11:10, 13:8, 12, 14, 17:2, 8).

**6:11 "Tokkoon tokkoon isaanitiif wayyaan adiin kennameef"** kun fakkiiduu dha "boqonnaa" eebbisuu," yookaan "mo'icha." Tokko tokkoof rakkoon barnoota hafuuraa as jiruu fooni libbuu irraa adda ba'ee akkamitti akka uffata uffatuu dha. Akkuma jirutti kan jiru gura kan guddifame irraa of eegadhaa. Baacoon Apokilaptikii yeroo hiikamu! Yaada kennitootni illee kan kan ittiin ibsan dhugaan sharbee kitaabichaa akka ta'utti akka hin hubanne argisiisa! Mul'ata irratti tarreefama isaa hin dhiibinaa!

▣ **"Akkuma isani immoo du'uuf kan jiran garboota hir'ioota isaaniitii fi lakkoofsa obboloota isaanii amma raawwatutti,"** kan kitaaba kanaa dhugaa guddaan Waaqayyoo waan hundumaa to'achuu isaati (cf. lakk.8) kitimantootni kiristaanootaa du'i illee! Seenaan hundumtuu harka isaa jira. Waaqayyoo tibba tokkoon illee, gochawwan, yookaan buwwaniin hin aja'ibsifatu. Dhugumatti dhiphinni amma iyyuu, rakkinni, fi haqa qabeessa waan hin taaneen addunyaa kufee kana keessatti jiraata. Kan fooya'ee ibsa rakkoo hamaa kan John W. Wenihamiin gaarummaa Waaqayyoo ilaali.

Kun kan xumuramee yaad-rimee lakkoofsa kitimamtootaa (Heenook 47:4) bakbuusaa beekumsa Waaqayyoo fi karoora, ijoollee namaatiif hiyyannoo jiruu dha. kunis Phaawuloos irraa " guutumaa ormootaa" yaad-rimee wajjin wal fakkaata (Roome 11:12, 25) innis kan inni eeruu Waaqayyo ormoota fayyan hundumaa akka beeku ibsuudhaani.

## Mul'ata 6:12-17

**12Kana boodee hoojichi mallattoo isa jahaffaa isaa nan arge. Socho'a lafaa guddaa tokkotu ta'e; biiftuunis akka cilaatti eelee ni taate, ji'I guutumaatti akka dhiigaa diimate. 13Akka ija arbuu qilleensi jabaan raasee harcaasuutti urjoonni waaqa keessaa lafatti gadi harca'an 14 Waaqni tarsaa'ee gargar baafame, akka macaafa maramuu danda'uutti ni banamee; tulluun, biyyi bishaan keessaa hundinuus iddoo isaanitti ni butataman. 15 Kana boodee, moototni lafa kana irraa, namoonni gurgudoonni, abbooni duula, soorreyyiin jajjabooni, garbichi, birmaduunis hundinuu holqa keessa, kattaa tullootaa giddus ni dhokkatan. 16 Tullootaa fi kattaawwanis waamatanii "nu irratti jigan, fuula isa teessoo irra taa'uu dura, dheekamsa hoolichaa duraas nu dhoksaa! 17 Guyyaa guddaan inni itti isaan dheekaman dhufeera; egaa eenyuutu dura dhaabachuu danda'aree?" jedhan.**

**6:12 "Mallattoo jahaffaas hiike"** lakkoofsi kun qooqa Apokilaptikii Yihudootaati, bara dhumaatiif (Iyu. 2:30-31, 3:15-16, Isa. 13:9, 10, 34:4, Erm. 4:23-28 Hage 2:6 Mat. 24:29 fi jecha Musee 10:5). Wantoota torban 12-14 irratti hubadhaa. Qooqni kunis kakuu moofaa keessatti faayidaa irra kan oolu guyyaa gooftaatti. Isaan kun fayyadama isaa mallattoo jahaffaa fi booda irras fiinoo jahaffaa kan ta'an sababa tokkoo dha, an akkan amanutti, isaan kun tokkoon tokkoon isaanii tartiiba torbanuu dhuma baraa irratti ni xumurama, deebi'ee dhufuun Kristoos (cf.6:12-17, 11:15-18, 14:14-20, 16:17-21, 19:11-21, 22:6-16). Mul'atni tartiiba duraa boodaa miti. Inni abba baacoo torbaati.
▣ **"Sochiin lafaa guddaan ta'e"** kitaaba kana irratti kan eeraman sochi lafaa heedduun jira (cf. 8:5, 11:13, 19, 16:18). Bara dhumaa kanatti kalatti barbaachiisa torban Apokilaptikii akka jiran hubachuu nama dinqisiisa. Akkasumas ramaddi adda addaa torba lakk. 15 irratti tarreefamaniiru (mata duree addaa: lakkoofsawwan bak-

buusaa qulqulluu sagalee isaa keessatti 1:4 irratti ilaali). Kunis fakkeenya biroodha, baay'ee kan caasefamee, og-baruu Apokilaptikii, garee barreefamootaa (cf. 5:12).

▣ **"Aduun gurraachoofte….ji'ii dhiiga fakkaate"** kun kakuu moofaan kan eeruu dha, guyyaa dhumaatiif (Isa. 13:10, 24:23, 50:3, Hisqeel 32: 7 Iyu'eel 2:2, 10, 31, 3:15, Maatte. 24:29, Maari. 13:24-25, Luqaas 21:25).

**6:13 "Urjiin waaqa irraas kufanii"** fakkiduun kun bu'uura lama qabaata:

1. Cimina seera Waaqayyo uumee (Iyob 38:31-33, Faru. 89:36-37, Isaa. 13:10, Ermi. 31:35-36, 37:20-26, Heenok 2:1) firdii Waaqayyoo gidduutti gara raawwataatti dhufa (Mat. 24:29)
2. Kufaatiin urjootaa kan baratamee kan kakuu Fakkiduu Apokilaptikiiti (innis yeroo hundumaa ergamoota kan eeruu jechuunis 12:4, Dani. 8:10,)

Akka haala barreefama kanaatti lakkoofsa tokko bifa wayyuun irratti wali gala.

**6:14 "Samiinis ni maraman"** warri durii samii akkaataa isaan itti ilaalan akka ciracha saaphanaati, akka googaa dhifameeti (Iyob 22:14, Faru. 104:2, Fakkeenya 8:27, Isaa. 40:22). Kun fakkiiduu hafuuraati, Seera uumamaa cabsuun (Isaa. 34:4).

▣ **"Gaarootaa fi biyyi galaana gidduu hundumtuu bakka isaaniti fudhataman"** kakuu moofaatti, Waaqayyoo uumama isaa yeroo mil'atuu, eebbaafis ta'ee firdiif, raafamatu ta'a. ibsi isaas yeroo hundumaa kan inni mul'ifamuu jecha Apokilaptikiitiin. Lakkoofsa 15-17tti kan ibsamuu heekamsa Waaqayyooti, warra hin amanne ari'atan irratti (cf. 16:20). Isaan ibsi wal fakkaataan kun kakuu moofaatti faayidaa irra ooleera gara iddoo Waaqayyoo jiruttii qaamaan walitti siqeenya gochuudhaan, inni tokko gaarii akka gadi dhi'aatuu gochuu, bishaanootaaf gogsuudhaan, k.k.f (Isaa. 40:4).

**6:15 "Olqaawwanii fi kattaa mgaarootaa gidduu mataa isaanii dhoksan"** namootni Waaqayyo ari'ate, warra hin amaniin keessaa akka ta'ee ari'atama akka dhokatan hundumaa (Ibi. 11:38), ammas akkuma sana sooreyyollidhaa fi hamoota (Faru. 2:2 kan eeruu) dheekamsa Waaqayyoo jalaa waan itti baqatan barbaadu (Isa. 2:10, 19, 21). Lakkoofsi kun kan inni ibsuu kan kufee, ilma namaa hin amaninii dha, karaa torbaan. Kun kan torbanuu akkaataa fayyadama garee hundee qabeessaa, kitaaba Yohaannis (mata duree addaa 1:4 irratti ilaali).

**6:16 "Nuratti jigaa, teessicha irra isa taa'ee isa jalaa nu dhoksaa"** kun kan Hosee 10:8 eeruu dha (Isa. 2:19, 21 fi Luqaas 23:30). Dheekamsi abbaa fi ilmaa wal qabachuu isaa hubadhu, amantiidhaan maatii isaanii irra waan gahe yeroo morman. Isaan seenaa irratti hojjetaniiru, isa amanamaa eeguudhaa fi hamoota adabuudhaaf (Gala 6:7).

▣ **"Dheekamsa hoolichaa"** kun isa jabaa fakkiduu wal makaadha. Kun fakkeenya hoolicha isicha mo'ee Yihudoota keessaa og baruu macaafa qulqulluuti. "Dheekamsa" (*orgē*) 7:14 irratti yaadannoo isaa ilaali.

**6:17** lakkoofsi 17 kan Iyu'el 2:11 yookaan Milkiyaas 3:2 kan eeruu fakkaata. Tarreesitootonni baay'een kan isaan amanan lakkoofsa 17 boqonnaa 7 irratti kan argamuu turmaata yeroo xiqqoo sadarkaa akka mijeessuu dha innis "amantootni akkam ta'uu, lafa irra kan jiran, Tibbi Apokilaaptiki kunni fi tartiba firdii kanaa gidduudhaa?" gaaffillee jedhu deebbisuudhaaf yaala. Tarreesitoota gidduu yeroo hundumaa wal falmiin ni jiraata, boqonnaa 6 irra kan jiran mallattoowwan furii yookaan kan furdii ta'uu isaanii (cf. 9:20-21, 14:7-8, 16:9, 11). Boqonnaa 6 kan inni argisiisuu warra hin amaniin irratti kan ta'e firdii Waaqayyooti, isaanis amanuudhaaf tole kan hin jenne. Firdiin kun ¼ addunyaa miidhuu jalqabu, achi irraas 1/3, dhuma irrattis xoofoo isaanitiin walumaa gala addunyaa hin amanee (Sefoniyaa 1:14-18).

**Qabiyyee akka haalaa barreefamichaa 7:1-17**

A. Boqonnaa 7 mallattoo jahaffaa fi mallattoo torbaffaa furtuu gidduu turmaata uuma (cf. 8:1, mallattoo jahaffaa fi torbaffaa gidduu 10:1-11:13 akkuma godhe hundumaa ). Innis kan inni ibsuu amantoota irratti maaltu ta'a, marsaa firdii Waaqqyyoo kanaan warra hin amanne irratti kan ta'an, gaaffii jedhuu dha. mallattoo torbaffaan fiinoo torba ta'a.
B. Turmaati kun garee amantoota lama irratti
    1. 144,000 gosoota kudha lamaanuu irraa lafa irratti (cf. lakk.1-8, keessumatti lakk. 4)

2. Namoota hin lakkaa'amnee gosoota biyya lafaa hundumaa irraa, ammas Waaqa irra kan jiran (cf. lakkoofsa 6:17 keessumatti lakk. 9)

C. Waaqayyo humna jabaadhaan, irraa dhorkuudhaan, karaa mirkaneefameen karaa saba isaati hojjeta. Kun mul'ata irratti garaagarummaa miti, amantoota Yihudootaa fi ormoota giddutti (Rome. 2:28-29, 3:22, 1Qoro. 12:13, Gala. 3:28, Qola. 3:11). Garaagarummaan sanyii kan kakuu moofaa kan amananii fi kan hin amannee walumatti qabaatti qabateera.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MUL'ATA 7:1-3

**1Kana boodees ergamoonni afur golee lafaa afran irra dhaabatanii, qilleensa lafaatti, galaanatti, mukattis akka hin qilleensoofneetti qilleensoota golee afrani ittisuu isaanii nan arge. 2 Ergamaan tokko immoo Waaqayyoo isa jiraataa biraa mallattoo fudhatee karaa booru utuu ba'uu nan arge. Ergamichis ergamoota afran warra lafaa fi galaana miidhuu isaaniif kenname sana sagalee guddaadhaan waame, 3 "Amma nuyi adda hojeettoota Waaqayyoo keenyatti mallattoo goonutti lafa, galaana, mukas hin miidhinaa!" isaaniin jedhe.**

**7:1 "Ergamoota arfan nan argee golee lafaa afran irratti dhaabbatanii… qilleensoota lafaa afran qabii"** kakuu moofaatti bak-buusii lakkoofsa afur kan argisiisuu addunyaa maraa (Isaa. 11:12, HoE. 49:36, Dani. 7:2, Zakka. 1:8, 6:1, 5, Mat. 24:31 mata duree addaa 1:4 irratti ilaali).

Qilleensa afran kana ilaalachiise hiiki heeddun jiru.

1. Barsisootni abbaa tokko irra afuri qilleensoota kan isaan ilaalan akka hamaatti (HoE. 27:14)
2. Warri tokko tokkoo immoo kan isaan argisiisan qilleensoota hamaa yookaan firdii Waaqayyooti , Erm. 49:36 fi Daani'eel 7:2 irratti kan jiru
3. Warri tokko tokkoo kan isaan argisiisan Zakaariyaas 1:8 fi 6:5 irratti akka jedhutti lakkoofsi 4 kan eeruu dha, abbaan fardaa afran konkolaachistoota afran guutumaa addunyaatti tajaajiltoota Waaqayyoo kan ta'an (Mat. 24:31).

▣ "**Qilleensisi biyya lafaa irratti akka qilleensoofne yookaan galaana irratti yookaan mukla kami irratti"** kun akka 6:6 fi 8 bifa murtaa'een firdii argisiisa (cf. 7:3, 9:4).

**7:2 "Ergamaan biraan bahaa biiftuu irraa yeroo dhufuun arge"** bahaa (aduu) kan jireenyaa, kan fayyaa, yookaan bak-buusa guyyaa haaraati.

▣ **"Mallattoo Waaqa jiraataa kan qabu"** mallattoon Waaqayyoo irra deebiin 9:4 fi 14:1 fi tarii 22:4 irratti eerameera. Mallattoo seexanaa 13:16, 14:9 fi 20:4 irratti eerameera. Kaayyoon mallattoo kanaa saba Waaqayyoo adda baasuu fi dheekamsi Waaqayyoo akka isaan hin argane gochuu dha. mallattoon seexanaa saba ofi isaa adda baasa, dheekamsi Waaqayyoo kan isaan argatu.

Mul'ata irratti "rakina" (jechuun, thlipsis) yeroo hundumaa kan ta'uu warri hin amannee warra amanan osoo ari'atanii yeroo ta'uu, dheekamsa (jechuun, *orgē* yookaan thumos) dabalataanis yeroo hundumaa firdiin Waaqayyoo warra hin amanin irratti yeroo ta'uu dha, waan ta'ee fi isaan tarii gaabbanii gara amantaa Yesuusitti akka deebi'aniif. Kun karaa sirrii ta'een kaayyoon firdii Keessa deebii 27-28 kan abaarsaa/eebbaa kakuu irratti argama.

"Waaqa jiraataa" gaaleen jedhuu jecha maqaa waamiichaa Yaahiwweeti (Ba'uu 3:14, Faar. 42:4, 84:2, Mat. 16:16, mataa duree addaa 1:8 irratti ilaali). Jechi kana fakkaatuu yeroo hundumaa kakuu macaafa qulqulluu irratti argama, "Waaqa jiraata".

## MATA DUREE ADDAA: MALLATTOO

Mallattoon tarii kara adur durii

1. Dhugaa (cf. Yoh. 3:33)
2. Abbummaa (cf. Yoh. 6:27; 2Xim. 2:19; Mul. 7:2-3)

3. Wabii ykn eegumsa (cf. Uma. 4:15; Mat. 27:66; Rom. 15:28, 2Qor. 1:22; Efe. 1:13; 4:30 ittiin argisiisan ta'uu ni mala,
4. Inni dabalataanis mallattoo dhugaa ta'uu abdii/kakuu kennaa Waaqayyoos ta'uu ni mala (cf. Rom. 4:11 fi 1Qor. 9:2)

Kaayyoon maallattoo kanaa dheekkamsi Waaqayyoo akka isaan hin arganneef saba Waaqayyoo addaan baasuufi. Mallattoon seexanaa saba isaa kanneen dheekkamsa Waaqayyootiif qophaa'an addaan ni baasa. Mul'ata keessatti "gidiraan" (i.e thipsis) yeruma hundumaa ari'achuu warri hin amanne warra amanan ari'ataniidha, yommuu dheekkamsi/loluun (i.e. *Orgē* ykn *thumos*) yeruma hunda warri hin amanne akka tarii qalbii diddiirratanii amantii Kiristoositti akka deebi'aniif firdii Waaqayyooti. Kaayyoon pozatiiviin firdii kun kakuu abaarsotaa/eebboota keessa Deebii 27-28 keessatti mul'achuu ni danda'a. Gaaleen "Waaqayyo jiraataan" aangoo YHWH irratti tapha jechaa ti (cf. Ba'u 3:14; Far. 42:2; 84:2; Mat. 16:16). Jechi walfakkaataan kun "akkuma Gooftaan jiraatu" kakuu Macaafa Quqlulluu keessatti yeruma hunda ni argama.

▣ **"Lafaa fi galaana miidhuudhaaf kan kennameef ergamoota afraniif"** kun gocha hoji irra ooluu kan argisiisuu dha. Waaqayyo lafaa fi warra hin amanne irratti firdii ta'uu to'ata. Inni murtii irratti kan qabuu daangaan kaayoo lama qaba:

1. Amantootni isaaniin akka hin miidhamnee
2. Warri hin amannee qalbi akka jijjiratan, maqaa isaa akka waamaanii fi, ulfina akka isaa kennan (cf. 99:20-21, 14:6-7, 16:9, 11, 21:7, 22:17)

**7:3 "Garboota Waaqa keenyaa adda isaanii hanga mallatesinutti"** kun kan Hisqeel 9:4, 6 (Mul'ata 9:4, 14:1) kan eeruu dha fallaan mallattoo kanaa mallattoo seexanaati, mallattoo bineensichaa (cf. 13:16, 17, 14:9, 11, 16:2, 19:20, 20:4).

## MUL'ATA 7:4

**4 Lakkoofsa warra mallatteefamaniis nan dhaga'ee; gosa ijoollee Israa'eel hundumaa keessa kumaatama dhibbaa fi kuma afurtamii afurtuu mallatame.**

**7:4 "Kuma dhibba torbaa fi afurtami afur"** gareen dhoksaa wal fakkaataa 14:1, 3 irratti eerameera. Lakkoofsa kanaa kan ilaalatee marii bal'aan geggeefameera, eenyuun akka bakka bu'u. lakkoofsi kun bak-buusaa, akkuma jirutti osoo hin taane, sababa duuka bu'oota isaatiif.

1. Lakkoofsichi mataan isaa geengoo dha, gosootni hundumtuu wal qixa lakkoofsa qabu (kunis kakuu moofaati raawwatanii kan hin goone"
2. Lakkoofsichii baayisuu kudha lamaati, innis kan kitaaba qulqulluu lakkoofsa dhaabbataa (yookaan saba Waaqayyoo) fi kudhan, innis kan kitaaba qulqulluu lakkoofsa guutuu (mata duree addaa 1:4 irratti ilaali)
3. Boqonnaan 7qooqa Apokilaaptikiiti
4. Tarreefamni gosoota Israa'eel hangi tokko jijjirameera (Daan hir'ateera, Ifreemis Yooseefiin bakka bu'eera). Yihudoota akkuma jirutti kan fudhatamu akka hin taanee ni beeku.

Kan garee kanaa hiika ta'uu kan danda'uu:

1. Innis akkuma jirutti , bara dhumaatti Israa'elootni amanan (cf. 12:10)
2. Innis amantoota jijjiraman haaraa dhaa, dhoksatti butamuu waldaa kiristaanaa boodaa
3. Innis haftee amantoota Yihudootaa (Rome. 11)
4. Innis maqaa waldaa kiristaanaa kakuu haaraati (cf. 1:6)

Mallatichi mul'ataan garee tokko qofaaf hin murtoofne , ha ta'uu malee abbaa manummaa Waaqayyoo fi eegumsa saba isaatii fi qabu bakka bu'a (cf. 2:20, 11:18, 19:2, 5, 22:36). Seexani duuka buutoota isaa hundumaa mallateeseera (cf. 13:16, 17, 14, 9, 11, 16:2, 19:20, 20:4), Waaqayyoon fakkeessani kan dubbatan (cf. 3:12, 7:3, 14:1, 22:4).

Kakuu haaraan yeroo hundumaa waldaa kiristaanaa kan inni ibsuu bifa Israa'eeliif ooluudhaan (Roomee 2:28-29, 4:11, 9:6,8, Gala. 3:29, 6:16, Filli. 3:3) fi keessaa iyyuu kitaaba mul'ataa 1:6 irratti waldaan kiristaanaa Israa'eeliif faayidaa irra oolaa kan ture waamamni yeroo eeramu Keessa deebii 19:4-6 (cf. 1Phexi. 2:5, 9).

Kitaaba Yaaqoob (cf. 1:1) fi 1Phexi. (cf. 1:1) waldaan kiristaanaa immoo “Diyaaspooraa” jedhaamuudhaan waamamaa turte, Yihudii tamsa’an Filisxeemitti kan hin jiraanee maqaa Yihudiitiif .

Anaaf waan wayyuu kan natty fakkaatuu, kitaaba kanaa yeroon qayyabadhutti, 144,000 lakk. 4 fi “saba baay’ee baay’atuu” lakk. 9 irra kan jiruu kan akka saba Waaqayyoo kakuu haaraati___ Kiristoosiin kan amanan isaan, ha ta’uu malee bifa gara garaa lamaan kan mul’atan (Yihudoota amananiif ormoota amanan).

## MATA DUREE ADDAA: LAKKOOFSA KUDHA LAMA

Lakkoofsi kudha lama yeruma hundumaa akka lakkoofsa fakkeenyaa dhaabbataa ta’aa tureera.

A. Macaafa Qultulluutiin ala
   1. Kudha lama mallattoo zodiac
   2. Ji’oottan 12 waggaa tokkoo
B. Kakuu Moofaa keessatti (BDB 1040 ida’uu 797)
   1. Ijoollee Yaaqob (gosoota Yihudootaa)
   2. Kanneen armaan gadii keessatti calaqqisiifameera
      a. Ba’u 24:4 keessatti utubaawwan kudha lama iddoo aarsaa
      b. Faayota kudha lamaan breaste plate luboota olaanaa irraa (isa gosootaaf dhaabatu) Ba’u 28:21)
      c. Buddeennan kudha lamina mana qulqullummaa keessatti iddoo qulqullummaa Lew. 24:5 keessaa
      d. Basaastonni kudha lama Lak. 13 keessatti (tokkoon tokkoon isaanii gosoota bakka bu’u) gara Kana’aan ni ergamani.
      e. Uleewwan kudha lamaan (gosaaf kan dhaabatan) fincila Qoraahi Lak. 17:2 keessaa
      f. Dhagoota kudha lamaan Iyyaasuu Iya. 4:3,9,20 keessaa
      g. Aangoowwan tajaajilaa bulchiinsa Solomoon 1Mot. 4:7 keessaa
      h. Dhagoota kudha lamaan iddoo galma Eliyaas YHWHdhaaf 1Mot. 18:31 keessaa calaqqisiifamee ture
C. Kakuu Haaraa keessatti
   1. Bartoota kudha lamaatu filatame
   2. Buddeena gundoo kudha lama (Bartoota tokkoon tokkoo isaaniitiif tokko tokko) mat. 14:20 keessaa
   3. Barcumoota kudha lama isa bartoonni Kakuu Haaraa (gosoota Isiraa’el kan eeru) Mat. 19:28 keessatti irra taa’an.
   4. Ergammoota duula kudha lama Mat. 26:53 keessatti Yesuusiif oolchuuf ergamuu malanii
   5. Fakkeenyummaa Mul’ataa
      a. Maanguddoota 24 barcuma 24 irratti 4:4
      b. 144,000 (12x12,000 7:4; 14:1,3 keessaa
      c. Urjiiwwan kudha lamaan gonfoo dubartootii 12:1 keessa irraa
      d. Balbaloota kudha lama, ergamoota kudha lama kanneen gosoota kudha lamaan 21:12 keessatti calaqqisiisanii,
      e. Dhagoota bu’uuraa kudha lama Yerusaaleem haaraa fi isaanirratti maqaan Ergamootaa 21:14 keessatti irra ture.
      f. Stadiawwan kuma kudha lama 21:16 keessaa (bal’ina magaalaa haaraa, yeruusaalem)
      g. Keenyan dhundhuma 144 21:7 keessatti
      h. Balbaloota somboo kudha lama 21:21 keessaa
      i. Mukkeen gosoota kuduraa kudha lama qaban (tokkoon tokkoo isaanii ji’a tokko tokkoof) Yeruusaalem haaraa 22:2 keessaa.

## MUL'ATA 7:5-8

**5 Gosa Yihuudaa keessaa kuma kudha lamatu mallateefame; gosa Ruubeel keessa kumni kudha lama, gosa Gaadi keessaa kumni kudha lama, 6 Gosa Asheer keessaa kumni kudha lama, Gosa Niftaaleem keessaa kumni kudha lama, gosa Minaasee keessaa kumni kudha lama, 7 gosa Shimi’oon keessaa kumni kudha llama, gosa Leewii keessaa kumni kudha lama gosa Yisaakoor keessaa kumni kudha lama 8 Gosa Zeebuloon keessaa kumni kudha lama, gosa Yooseef keessaa kumni kudha lama, gosa Binihaam keessaa kumni kudha lama ni mallatteefaman.**

**7:5 “Gosa Yihudaa keessaa**” tarreefamni gosoota kanaa digdamaa ol kan ta’an tarreefama kakuu moofaa keessatti argama wajjin wal simatu. Keessumatti Hisqeel 48:2-7 wajjin wal hin simatu, innis kan bara dhumaa tarreefama maqaa saba Waaqayyoo kan qabatee dha. Daan keessaa hafeera, Yihudaan jalqaba irratti kan

barreefame, Ifreem keessaa ba'eera, Yooseef garuu bakka isaa barreefameera, Leewinis gosoota biraatti dabalameera. Yihudootni kam iyyuu barreefamni kun kan wal dha'ee ta'uu isaa ni beekuu akkasumas bakbuusaan akka fudhatamee ni hubata.

F.F. Birus, gaaffilleef deebii, fuula 139 irratti akka eeree gosi Daan tarreefama sana keessaa sababni inni hafeef, aadaa waldaa kiristaanaatti fakkaatee kan deemuu gara Hirinihusitti hiikaa Ermiyaas 8:16ti, Saptuwajentiidhaan. Innis yeroo dubbifamu:

> "Sagaleen abbaa fardaa Daani dhaga'amee himimsuun fardeewwan gootootaa irraa kan ka'ee lafti hundumtuu ni raafamtee ni dhufanis lafattii fi ishee irra kan jiraatan hundumtuu magaalatti fi ishee irra kan jiraatan nyaata."

Irinus kan inni argee dhufuuf kan jiru mormituun Kristoos gosa Daan keessaa akka dhufuu dha. kun tilmaama caljeedheti, hiika osoo hin taane!

## MUL'ATA 7:9-12

**9 Kana boodees ilaaleen tuuta soonan baay'ee , saba hundumaa keessa gosa hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa, afaan dubbatamuu hundumaa keessaa dhufan, warra homtinuu lakkaa'uu hin dandeenye nan arge; isaan uffata adii uffatanii, dame muka meexxii harka isaanitti qabatanii teessicha dura hoolichaa duras nii dhaabbatu turan. 10 Jarri kunis sagalee guddaadhaan, "fayyinni Waaqayyoo keenyaa isa teessicha irra taa'uu bira, hoolicha biras ni argama jedhan. 11Ergamoonni teessicha, maanguudoota, uumama lubbuu qaban afranis naanna'anii dhaabbatan hundinuu teessicha duratti adda isaanitiin gommbifamanii Waaqayyoof ni sagadan. 12 Sagada isaanii keessatis, "Ameen! Waaqayyo keenyaaf hooqubaa, guddinni, ogummaan, galanni, ulfinni, humni, aangooniis baraa hamma bara baraatti ha'ta'uuf! Ameen!" jedhan.**

**7:9** Lakkoofsa kana irratti kan eeraman namootni baay'ee danuun ifatti akka mul'atan kuma dhibba tokkoo fi afurtami afur lakkoofsa 4 irratti kan eeraman irraa adda. Ramaddiin jalqabaa Israa'eel keessaa gosootni adda addaa akka dhufan, ramaddiin kun immoo gosoota gara garaa biyya lafaa irraati kan dhufan. Kan fakkaatuuf gosootni laman kun kan bakka bu'an gara saboota wal fakkaatooti, bifa gara garaa lamaan. Lakkoofsa 1-8 amanaan Yihudaa kan argisiisu yoo ta'e, egaa lakkoofsi 9 kan inni argisiisuu gosoota saba hundumaa irraa kan ta'e saba Waaqayyooti (cf. 5:9, 11:9, 13:7, 14:6, 17:15).

Ta'us, isaan dhugaa isaan jedhaman (1) rakkina isa guddaa keessaa kan dhufanii dha (cf. lakk. 14) (2) teessicha dura kan dhaabbatan (cf. lakk.9), fi (3)wayyaa adii uffataniiru (cf. 6:11) kan xumuramee lakkkoofsa kitimamtootaa kan eeran ta'u (cf. 6:11, 17:6, 18:24, 19:2, 20:4).

▣ **"Eenyu iyyuu lakkaa'uu kan hin dandeenyee"** kun kan eeruu ta'a, abdii Abirahaamiif kennemee, sanyiin isaa akka baay'atuu.

1. Ciracha lafaa __ Uumama 13:16, 28:14, Lak.. 23:10
2. Urjoota Waaqa __ Uumama 15:5, 22:17, 26, 4, Kes.1:10
3. Cirachaa galaana bukkee jiruu __ Uma.22:17, 32:12
4. Jecha walii gala __ Uumama 16:10

▣ **"Damee muka meexii harka isaanitti qabatanii"** warri tokko tokkoo kanaa Leewii 23:40 yookaan Nayimiyaa 8:15 wajjin wal qabsiisuu yaaluu, akka malattoo gammachuu fi mo'ichaatti. Kan biroon kan isaan wal bira qaban seera waaqefannaa ayyaana Faasikaa wajjin, Yohannis 12:13 irratti akka jiru kan biroon ils, dubbifamni kun yeroo lafa gammoojjii keessa naanna'uuti wajjin waan wal qabatuuf (cf. lakkoofsa 15-16), ayyaana godoo wajjin. Dame mukaa meexii fakkeenya mo'ichaa ta'uu danda'a.

**7:10 "Fayyissuu Waaqa keenyaa"** kun jecha Girikii baratamee dha "fayyina" dha , (*sōteria sōzō*) faayidaa irra kan oolee garuu "mo'icha" miiraa dha (NEB) yookaan "guutuu guutuutti mo'icha argachuu." Kanaaf, inni argisiisuu kan danda'auu (1) Rakkina lafa irra jiru irraa oolchuu yookaan (2) kan hafuuraa, kan barabaraa fayyina. Jechi kakyasha) hiiki isaa fooniin oolchuu (Yaaqoob 5:15). Jechi wal fakkaataan kun tartibaan kan ta'uu Waaqa gallateefachuu mul'ata yeroo sadii (cf. 7:10, 12:10, 19:1) irratti eerameera.

▣ **“Hoolichaafis”** Masihii, karaa Yaahiowween eebbise eebbisuu isaa hubadhaa. Kunis ilmaaf amala hafuuraaf cimsa laata.

**7: 11** garee hedduun akka adda ba’an hubadhu.

1. Ergamoota
2. Jarsolii
3. Bineesa arfan

Gareewwan kun hudumtuu Waaqarra kan jiru Waaqayyo biraa kutaa teessoo isaa wajjin walqabateera. Isaan 144,000 fi saba baayyee guddatuu wajjin adda ba’anuuru. “Jaarsolii” mata duree addaa: jaarsa 4:4 irratti ilaali.

**7:12 “osoo jedhanii”** dacha torba kan ta’e Waaqaaf galata dhi’aate (fi Masihii, cf. Lak. 10) hubadhu, innisi eebbaawan dacha torbaa irraa, hoolaa qalame kan ta’ee 5:12 wajjin walfakkaataa dha.

▣ **“Ameen”** eebbicha akkamitti akka jalqabee fi xumuree hubadhuu. Mata duree addaa 1:6 irratti ilaali.

## MUL'ATA 7:13-17

**13 Ergasii maanguddoota keessaa inni tokko, “warri uffata adii uffatan kun eenyu fa’ii, eessaa dhufanis?” jedhee na gaaffate. 14 Ani immoo, “Gooftaakoo situu beeka!” jedhen deebbiseef. Inni immoo, “isaan kun warra rakkina guddaa keessaa ba’anii dhufanii dha; uffata isaanii dhiiga hoolichaatiin miicatani addeefataniiru. 15 Kanaaf isaan teessoo Waaqayyoo duratti argamanii, halkanii fi guyyaa mana qulqullummaa isaa keessatti isaaf ni hojjetu; inni teessoo irra taa’ees godoo isaa diriirse isaan irra ni jiraata. 16 Egaa deebi’anii hin beela’an, hin dheebootanis, aduu, wanti gubus isaanitti hin ba’u. 17 Hoolichi teessicha duraa gara gidduu jirus isaan ni tiksa, gara burqaa bishaan jireenyaa kennuuttis isaan nii geessa; Waaqayyoos imimaan hundumaa ija isaanitti ni haqa”. Anaan jedhe.**

**7:14 “Aniis yaa gooftaakoo, ati nii beektan jedhe”** kun deebii namaa baratamee dha ergaamoota ergaa dabarsan (Zakka. 4:5, 13, Daani.10:16), innis eenyummaa jaarsoolli kan jabeessuu, garee qaama ergamootaa wajjin.

Og-barruun Apokilaptikii gidduu galuu ergamootaatii fi hiika amala isaa godhata. Hiiki kun baay’ee barbaachiisaa ta’eera (akka garee farfatootaa) fakkeenyumaa qooqaa ibsuuf hubachuuf.

▣ **“Isaan kun rakkina guddaa keeessaa kan dhufanii dha”** kun kan ammaa keeyata hin murtoofne yeroo ta’uu, yeroo Yohaannisitti kan hari’ataman waldoota kiristaanaa kan eeruu dha (cf. 1:9, 2:9, 10, 22). Ta’us, kan seenaa eeruu mul’ata irratti ifatti kan argisiisuu ari’atama qulqullootaati, baroota giddutti akkasumas immoo bara dhumaatti rakkinnichi jabaachaa dhufuu isaa (Daani. 12:1). Kunis kan wajjin deemuu

1. Ari’atama ijoollee Waaqayyoo (cf. 24:21-22, Mari. 13:19, 2Tas. 2:3, Mul. 2:10, Dani. 12:1)
2. Warra hin maniin irratti kan dhufu dheekamsa Waaqayyoo (2Tas. 1:6-9, Mul. 3:10, 6:17, 8:2, 16:1)

Rakkinooni kun, sadarkaa murtaa’een, barootaa wajjin wal qabata. Kirstaani maqaa Yesuusiin rakkina fudhatu (Yoha. 16:33, HoE. 14:22, Rome 5:3, 1Phexi 4:12-16). Isaan lamaan tibbawwan kun yeroo hundumaa kan isaan waaman kan bara tolaa haaraa dhiphina ciniinsuu kan jedhuu dha (Mari. 13:8 fi kitabaa Apokilaaptiki 2Baarook, boqonnaa 25-30).

Jechi Girikii thlipsis (rakkina) mul’ata keessatti irra deddeebi’ee faayidaa irra kan ooluu amantootni harka warra hin amaniniitiin rakkina isaan irra ga’uu dha (cf. 1:9, 2:9,10, 22, 7:14). Jechi Girikii thumos (cf. 12:12, 14:8, 10, 19, 15:1, 7, 16:1, 18:3, 19:15) fi *orgē* (cf. 6:16, 17, 11:18, 14:10, 16:19,19:15) yeroo hundumaa faayidaa irra kan oolan dheekamsa abbaa fi ilmaatiif, wara hin amaniin hamoota, rakkisoo irratti.

Akka barumsa hafuuraa gara tokkootti, macaafichi kan barreefamee rakkina keessa kan darban amantoota jajjabeessuuf yoo ta’ee, hiiktootni tokko tokkoo dhoksaa butaamuutii wajjin maaliif akka wal qabsiisan ni cimsu, dhaloonni itti fufuu tokko tokkoo amantootni rakkina akka hin taane argisiisuunii? Ari’atamni geggeesitoota waldaa kiristaanaa eegduudhaaf qooda isaaniiti, akkasumas kan dhaloota mantootaaf. Egaa maaliif dhaloota itti fufuu tokko qofa irraa ;eegaamaa?

▣ **"Wayyaa isaanii miicatanii dhiiga hoolichaatiin qulleessan"** kin ifatti kan inni argiisiisuu yeroo rakkina isa guddaatti kitimamtoota du'anii dha, amantii Kristoositti qabaniif. Kan nama ajaa'ibsiisu akkamii fakkiiduu furuuti (cf. 22:14)! Kana kan fakkaatuu Kristoositti du'ii kitimamuu yaada qulqullaa'uu Roomee 3:25, 5:9, 2Qoro. 5:21, Efe. 1:7, Qola. 1:20, Ibi. 9:14, 1Phexi. 1:19 fi 1Yohaannis 1:7 irratti argama. Dhugaan fannichaa yeroo hundumaa mul'ata irratti eerama (cf. 1:5, 5:12, 7:14 12:11, 13:8, 14:4, 15:3, 19:7, 21:9, 23, 22:3).

Kennaa Kristoosi fi ijooleen namaa Waaqayyoof hafeeraa deebii inni kennuu barbaachisummaa isaa wal fudhachuu isaa hubadhu. Kan kakuu lamaanii, kallattiin kan kakuu kan inni cimsuu kakaasuu Waaqayyootii fi kennaa dha, ha ta'uu malee olaantummaan Waaqayyoo nama kufe sanaafilateera, dirqama dee ha laatuuf (Yohaa. 1:12, Maari. 1:15, Hoji.erg. 3:16, 19, 20:21, Roome. 10:9-13).

**7:15-16** Gammachuu kan fuula duraatii fi nagaa Waaqa irraa jecha kakuu moofaatiin ibsameera. Kun kan lafa honaa keessatti yeroo naanna'uu fi kan mana qulqullummaa eeruu dha Ba'uu 40:34-38, Lak.9:15-23). Innis waabii dabalataaati, Shenah duumessa ulfinaa, kunnis saba Waaqayyoo wajjin argamuu fakkeenya kan godhatuu (Isaa 49:10, Mate. 5:6, Yoha. 4:14, 6:35, 7:37). Kun kan seenaa bara Israa'eel yeroo firdii dhugummaa isaatiti. Ta'us, Yaahiwween yeroo firdii akkasii dhi'oo ta'ee yeroo inni argameeraawwatee hin ture. Innis yeroo hundumaa barsiisotaan kan waabefatamee caagulaa kan Yaahiwwee fi kan Israa'eel kan jedhuu dha.

**7:15 "Halkaanii fi guyyaa isa tajaajilu"** kakuu moofaatti kun kan eeramee luboota leewotaati (Faru. 134:1, 1Sen. 9:33). Gara Waaqayyootti dhi'aachuuf Waaqayooon tajaajiluun babal'achaa dhufeera. (1) amantoota ari'atamanii fi (2) amantootni hundumtuu isa booda angaffa lubaa Yihudootaa hin qabatan! Amantootni hundumtuu luboota (1Phexi. 2:5,9, Mula'ata 1:6).

"Halkanii fi guyyaa" gaaleen jedhuu fakkiduu itti fufuu dha. Innis mul'aata irratti yeroo heedduu argama (cf. 4:8, 7:15, 12:10, 14:11, 20:10).

▣ **"Mana qulqullumichaatti**" dubbifama kanaa wal bira qabuun nama rakkisa (fi Hizqeel 40-48) mul'ata 21:22 samii irraa manni qulqullummaa hin jiru kan jedhu irraa. Warri tokko tokkoo garaagarummaa gochuuf ni yaalu, yeroodhaa fi bittaa waggaa kumaa fi bittaa bara baraa gidduu. Dhugumatti, fakkiduun suni fi kan yeroo fireemi macaafa kan keessatti kan wal jijjiruu dha. Kunis samii irra kan jiruu mana qulqullummaa hafuuraa argisiisuu danda'a (Ii. 9:23).

▣ **"Isaan irra bula"** kun jecha fakkiiduuti, Waaqayyo saba isaa wajjin itti dhi'eenyaan jiraachuu isaa. Godoon Waaqayyoo kan inni bakka bu'uu saba isaa haaraa wajjin dhaabbataatti argamuu isaati, firoot a isaatii fi gosoota isaa wajjin. Kaayyoon ka'umsa ganata Heddeen deebi'eera. Namni furameera (Uma. 3:15). Itti dhi'eenyi firoomaa Waaqayyoo wajjin deebi'ee danda'ameera (jechuun, Uma. 3:8).

**7:16-17** isaan kun eebba (kakuu mofaa irraa) amantoota hundumaatiif, kitimamtoota qofaaf osoo hin taane.

**7:16 "Kana booda wal hin beela'an, kan boodas hin dheebotan"** lakk. 16 kan Iaa, 49:10-13 eeruudha. Waaqayyoo fooniif kan barbaachiisuu kan kennu ta'uu isaa, Waaqayyoodhaaf kan hafuuraa kan kennuufakkeenyaan faayida irra ooleera (Mat. 5:6, Yoha. 4:14, 6:35:7:37).

▣ **"Adduunis Ho'is hundumtuu raawwatee gadi itti hin bu'uu"** kun kan eeruu dha shekinah dumeessa ulfinaa mana kennamee fi dha, waggaa 38 bara lafa honaa keessa naanna'uu (Faarfannaa 121:5-7).

**7:17 "Teessoo isaa gidduu kan jiruu hoolichi tiksee isaanii ta'a"** kun kakuu moofaa kan eeruu dha Hizi. 34:23. Kan qalamee garuu kan ka'ee kan furuu hojii furuu Waaqayyoo tuqaa isaa guddaa akka ta'ee hubadhuu kan Yohaa. 10:11 tiksee gaarii amma kan tiksee hoolota hundumaati (Yoha. 10:16).

▣ **"Gara bishaan jireenyaatti isaan geggeessa"** nama lafa gamoojjiitii fi bishaani yeroo hundumaa fakkeenyi isaa kan baay'achuuti fi kan jireenyaatti kunis Isaa. 49:10 (Faru. 23:2) kan eeruu dha cuftuu macaafa mula'ta irrattis irra deebi'ameera 21:6, 22:1.

▣ **"Waaqayyos imimaan isaani hundumaa ija isaanii irraa ni haqa"** kun hafeeraa Masihichaati fi magaalaa Waaqayyoo ishee haaraa kan eeruu dha Isaa. 25:6-9 (Mul'ata 21:4). Kun ammam kan nama jajjabeessuu dha, amantoota ari'atama irra jiraniif, kan bara Yohaannisii fi kan baroota hundumaa

**GAAFFIILLEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta’uu, kana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiikuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya isa nu kennameen deemuutu nurra jira. Hiiki warri duraa sii, Kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kan deebiftee hiika irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffillee mare kanaa kan kennaman kutaa kitaaba kanaa dhimma gurguddaa akka ta’utti akka qayyabatuu akka si gargaaruu dah.Kana jechuun akka ta’utti akka itti yaadu kakkaasuuf malee kana qofaan akka ati daangeefamtu miti.

1. 144,000 eenyu fa’ii deebii kee kitaaba mul’ataa keessaa ibsii.
2. 144,000 lakkoofsa 9 irratti kan jiran namoota baay’ee wajjin akkamitti wali wajjin deemu?
3. Fakkeenyi kana hiikuudhaaf maaliif baay’ee nutti jabaatan?
4. Kan boqonnaa jahaa fi torbaa yaadni inni guddaan maalii dhaa?
5. Boqonnaan torbaa giddu galee yeroo jedhamuu maal jechuu dhaa? Maa=caficha irratti kan biroon gidduu kan galan eessatti argamaa?

# MUL'ATA 8:1-9:21
# RAMADDII KEEYATA HIIKAWWAN HAARA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Mallattoo torbaa fi Qodaa ixaanaa warqee | Mallattoo torbaffaa malakata dursan | kan mallattoo torbaffaa | kan mallattoo torbaffaa | kan mallattoo torbaffaa |
| 8:1-2 | 8:1-6 | 8:1-2 | 8:1-2 | 8:1 |
| Kadhanaan qulqulloota | | | | |
| Dhufaatti guyyaa isa | | | | |
| Guddaa ni dhi'eessa | | | | |
| | | | | 8:2-5 |
| 8:3-5 | | 8:3-5 | 8:3-5 | |
| Malakatawwan | | kan fuulduraa Malakatawwan Jaha | | malakatawwan |
| kan fuulduraa | | | | |
| Malakatawwan | | | | |
| Afran | | | | |
| 8:6 | kan fuulduraa Malakatawwan Ja'an | 8:6 | | 8:6 |
| 8:6-12 | | | | |
| 8:7 | 8:7 | 8:7 | | 8:7 |
| | Malakata lammaffaa Mallattichi mallateefame | | | |
| 8:8-9 | 8:8-9 | 8:8-9 | | 8:8-9 |
| | Malakata sadaffaa Bishaanoonni ni Dha'aman | | | |
| 8:10-11 | 8:10-11 | 8:10-11 | | 8:10-11 |
| | Malakata afraffaa Samiin dha'aman | | | |
| 8:12 | 8:12 | 8:12 | | 8:12 |
| 8:13-9:6 | 8:13 | 8:13 | | 8:13 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 8:13 | Malakata shanaffaa Quruphisawwan Guddaa irraa | Dheekamsa kuphisa daabilos | malakata shanaffaa | |
| | 9:1-2 | 9:1-6 | 9:1-6 | 9:1-6 |
| 9:12 | malakata jahaffaa Ergamaa Efraaxis irraa | 9:12 | 9:12 | 9:12 |
| 9:13-19 | 9:13-19 | 9:13-19 | 9:13-19 | 9:13-21 |
| 9:20-21 | | 9:20-21 | 9:20-21 | |

## Ramaddii barreefamaa sadii fuula v ilaalii kutaa seensaa)

Yaada barreessaa jalqabaa sadarkaa keeyataan duuka bu'uu

Qajeelfamni dubbifama kanaa hiika yeroo ta'uu, sana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya isa nu kennameen deemuutu nurra jira. Hiiki warri duraa sii, Kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kan deebiftee hiika irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Boqonnicha yeroo tokko dubbissi. Yaada ijoo isaa irratti (ramaddii dubbifamaa lakk.3 fuula viii). Yaada ijoo keeti ramaddii isaa oli kan tarreefaman hiika shaman wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees yaada barreessaa jalqabaa kan ta'ee hiika wanni guddaan irratti ni argama. Keeyatni tokko tokko yaada ijoo tokko qofa qabateera.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lamaffaa
3. Keeyaata sadaffaa
4. K.k.f.

**Qabiyyee yaada barreefamichaa 8:1:1-9:21**

A. Fiinoo torbanuu mallattoo torbanuu irraa akka itti fufan, gaaffii kan ta'uu "fiinowwan, mallattowwanii fi xoofoowwan gidduu kan jiruu firoomni maalii dhaa?" kan jedhuu dha. Muraasa, kan hin taanee cuunfaa guutuu qaba. Isaaniis yeroo wal fakkaataa fi sa'a ni dhuunfatuu. Isaan kan caasefaman garee wal fakkaataa irraa yeroo ta'an inni tokko isa tokko irraa ni fudhata. Cuunfaan murasni yaad-rimee dursee ta'e fakkaataa, kan jaarraa sadaffaa Petawu Viktoriyaasiin (dursa biqifama abbootaa, jildii 7, fuula 344-360 ilaali). Inni kan eeruu  fiinoodhaa fi xoofoo gidduu walitti dhufeenya wal cinaa qofa. Inni tokko sadanuu osoo wal dorgomsiisuu, Apokilaptikii fakkaatu, guddachaa kan deemanii fakkiduu adda ta'an, kan bara raawwataa wal fakkaatu. Sirritti beekamee jedhamuu kan danda'amuu mallattoo jahaaffaan (cf. 6:12-17) gara xumuratti yeroo dhufuu, mallattoo torbanuu (cf. 11:15-19) fi xoofoowwan torbanuu (cf, 16:17-21) kan tibba xumuraa ibu.

B. Yohaannis murna isaa essaa osoo jiruu, mul'ata Apokilaptikii kanaaf? Yaad-rimee heedduun jiru:
   1. Dubbifamni kakuu moofaa heedduun waabii qabu, keessumatti boqonnaa 8 fi 9, dha'icha Gibxiiti fi hawaanisni kan weerere. Yeroo hundumaa mul'ata irratti, murna Daani'eel irratti Hizqeelii Zakkariyaas seenaa dubeessa hunde qabeessa irraa.
   2. Kan Yihudootaa kan kakuu barreefama Apokilaaptikii, kan akka 1Heenook. 1Heenook bal'inaan kan beekamu jaarraa tokkooffaati Yihudummaa dha, akkasumas waldaa kiristaanaatti fi barreesitootni kakuu moofaa eeramaniiru (2Phexi. 2 fi Yihuudaa)
   3. Jaarraa tokkooffaatti seenaa yoomessaa, keessumatti kan Roomee waaqeffannaan durii ari'atama waldoota kiristaanaa.

Akka murna guddatti kan nu dubbifnuu burqaa kan fillanee fillannoon, boqonnaan lamaan kun akkamitti akka hiikamu murteessa kana immoo mootii Room seenaa dubeessaa isaa wajjin wal bira qabnee yoo ilaale, seenaa Roomee irraa (Mul'atni dursee raawwatameera) wajjin wal simata. Kallatti qooqa Apokilaptikii Yihudootaa irra yoo ilaalee fakkeenyummaa irraa (yaadan) gama kanaan baay'ee hiikna. Raajii kakuu moofaa wajjin yoo wal bira qabne, bara dhumaa yoomessa Yihudootaa wajjin wal qabsiifna (gara fuulduraatti kan raawwatu).

C. Isaan boqonnaan lamaan kun itti dabalaa fi jabaachaa kan deeman firdi warra hin amanini ibsu. Ta'us, cimsi itti kennamuu kan qabuu Waaqayyo isaan irratti firdii isaa kan fiduu mataa isaaniitii fi kaayyoo furuuti (cf. 9:20-21, 14:7, 16:9, 11). Kanaaf, isaan kan isaan hojjetan kan akka keessa deebii 27-29 abarsa kakuuwwaniiti.
D. Akka boqonnaa isa duraatti, fakkeenyi isaa baay'ee kan walin nama dha'uuti, tarreesitootni tokko tokkoo waa'ee Kristoos yeroo ibsan, kan biroon immoo waa'ee seexanaa ibsu. Fakkeenya bifa sanaatiin wal jijjiruu, anatuu beeka jechuun guutuu guutuutti sirri miti. hiiktootni mul;ata xumuramee dhugaa giddu galeessa tokkoon guduunfuutu isaan irra jiraata. Tarreefama dhugaa giddu galleessaa gara hiikaatti qajeelchuutu irra jiraata akkasumas giddu galessii dhimma barumsa hafuuraa cimsi itti kennamee itti fufuu qaba!

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## NASB BARREEFMA 8:1-2

**1Yeroo hoolichi mallatto isa torbaffaa baneetti immoo, bantii waaqaa keessatti akka walakkaa sa'aatiif gabiitu ture*. 2Kana boodee ergamoota torba warra fuula Waaqayyoo dura dhaabatan nan arge; isaaniifis malakanni torba in kennamaniif*.**

**8:1 "Hoolichis mallaattoo isa torbaffaa yeroo hiikeetti"** Yesuus mallattoo torbaffaa kan bane, ha ta'uu malee tuqaa kana booda ergamootnis keessa galu, fiinoo torban labsuudhaaf booda irratti xoofoo torban.

▣ **"Sa'a wallakkaa kan ta'uu samii irratti cal jechuun ta'e"** cal jechuu kanaa wajjin kan wal qabatee yaad-rimee heedduun jiru. Barsiisonni kan isaan ittiin wal qabsiisan kadhatni qulqullulootaa akka dhaga'amuu fi kan inni qabaatuu yeroo cal jechuu wajjin

1. Warri tokko tokkoo kan isaan ittiin wal bira qaban 2Isidiris 7:29-31 wajjin caljechuun sun kan bara haaraa jalqaba kan ta'e
2. Kan biroon immoo isa kan isaan wal bira qaban dubbifama kakuu moofaa wajjin, namoonni Waaqa dhufuu argamuu fuula duraa cal akka jedhan (Imba. 2:20, Sefoniya.1:7, Zakka.2:13)
3. warri tokko kan isaan wal bira qaban jabaatee kan dhufuu warra hin amaniin irratti firdii ta'uu bu'aa baacoo wajjin
4. Vitoriniyees kan inni wajjin wal bira qabuu kan bara barummaa jalqabuu wajjin

**8:2 "Waaqayyo dura kan dhaabbatan ergamoota torbaniin arge"** keeyatni murtaa'ee jiraachuun isaa kan nama ajaa'ibsisuu dha, " ergamootni torban." Barsisoonni Yihudummaa kan ergamoota torbanii argamuun isaanii mogafameera, Xoobit 12:15, Jubilas 1:27, 29, 2:1-2, 18 fi 1Heenook 20:1-7. Isaanis Uraa'eel, Rufaa'eel, Ragu'eel, Mikaa'eel, Saraaqeel yookaan Sara'eel, Gabree'ili fi Raami'eeli dha. Kan biroon gaalee kana kan isaan ilaalan Masihicha wajjin wal qabsiisuudhaan ("argamuun isaa ergamaa" wal cina kan ta'e) Isaa. 63:9 irratti yookaan kan fincilanii fi hafuura qulqulluu kan gadisiisan irratti firdii ta'uu (Isaa. 63:10). Seera ba'uu wajjin kan wal qabatee tarii ergamichaa wajjin ni mul'ata Ba'uu 23:20:23, 33:12-16.

▣ **"Fiinoon torba isaaniif kennamee"** ergamooni fiinoo torban wajjin wal qabatanii jiru (cf. lakk.6). fiinoon kakuu moofaa yeroo hundumaa faayidaa irra kan oolaan saba Waaqayyoo wajjin wal arguudhaaf amantaadhaanis ta'ee loltummaan (Ba'uu 19:16, Seera Lakk. 10:1-10, Isaa. 27:13, Ermi.4:5-9, Iyu. 2:1, Sefooniya 1:16, Zakka. 9:14, 2Isdiris 6:23, mata duree addaa 1:10 irratti ilaali). Kakuu haaratti fiinoon deebi'ee dhufuu Kristoos labsa (Mate. 24:31, 1Qoroo. 15:52-53, 1Tas. 4:16).

## MUL'ATA 8:3-5

**3 Ergamaan Waaqayyoo kan biraa tokkos qodaa ixaana itti aarsan isa warqee irraa hojjetame baatee dhufee, iddoo aarsaa dhaabate; iddoo aarsaa warqee irraa hojjetame isa teessicha fuula duraa sana irratti, kadhata warra Waaqayyoof qulqullaa'anii hundumaa wajjin akka inni dhi'eessuuf, ixaanni baay'een ergamichatti in kenname*. 4Aarri ixaanichaaf kadhata warra Waaqayyoof qulqullaa'ani wajjin, harka ergamaa sanaa keessaa gara fuula Waaqayyooti ol ka'e*. 5 Yemmus ergamichi qodaa ixaana itti aarsan sana fudhate, iddoo aarsaa sanas iibidda itti guutee, lafatti gadi darbate, achumanis sagaleen qaqawee, sagaleen biraas wal jalaa ni qabu, bakakkaan in balaqqeessa'a, laftis in socho'a ture*.**

**8:3 "Ergamaan Waaqayyoo kan biraan tokko qodaa ixaana itti aarsan isa warqee irraa hojjetamee baatee dhufee, iddoo aarsaa bukkee dhaabbate"** kitaabni kuni fi 5:8 kan barsiisoota barumsa hafuuraa yaad-rimeen, ergamoonni kunis kadhata gara Waaqayyootiin kan gahanii dha kan jedhu beeksiisuudhaaf faayidaa irra ooleera. Macaafni qulqulluun tarreefama kana fakkaatuu akkamitti hiikamuun akka danda'amu cal jedhe. Dubbifamni fakkeenyaa kun tilmaama kan ta'ee tarreefama barumsa hafuuraa ibsuudhaaf faayidaa irra ooluu hin qabu. Mul'ata kana malee gahee ergamoota murtaa'anii labsa miti. Inni kan inni mirkaneessuu kadhati qulqullootaa Waaqayyo duratti gatii akka qabuu dha.

Iddoon aarsaa kan ibsamuu tokkos qoodaan ixaanaa, golgaa duraan, bakka qulqulluu (Ba;uu 30:1-10) yookaan kan aarsaa bakka aarsaati (cf .lakk.5, 9:13). Ta'us, mul'atichi iddoo aarsaa lafa irraa yookaan mana qulqullummaa Yerusaaleem jiru miti, ha ta'uu malee Waaqa irra kan jiru kutaa teessoo Waaqayyoti (Ibi. 8:2, 9:11, 24). Aarsaan ixaanaa akka yaada barreefama kanaatti haala fooya'adhaan irratti wali gala.

▣ **"Kadhata qulqullllooootaa hundumaa wajjin"** kun sirritti garee qulqulloota isa kamii akka ta'ee sirritti hin beekamu, ha ta'uu malee kun kan inni argisiisuu Waaqayyoo hawwii saba isaa akka beekuu fi deebii akka laatuu dha (Bau 3:7). Ixaanii fakkeenya kadhataati (Faru 141:2, Mul'a. 5:8).Sababni isaa aarii isaa addunya mul'atuu gara addunyaa hin mul'aneetti ol ka'ee deemee waan dhokkatuuf.

"Qulqulloota" mata duree addaa: qulqulloota 5:8 irratti ilaali.

**8:4** Macaafa Leewoota hundumaa keessatti ixaani gara iddoo bultii Waaqayyooti ol ba'a, kanaaf, ixaanii saba Waaqayyoo bakka bu'a.

**8:5 "Ergamichis qodaa ixaanaa qabatee qodaa aarsaatti abidda itti guutee gara lafaattis gatee"** kun Hiz. 10:2 kan eeruu dha. Barbadaan aarsaa ixaanaaf golgaa fuula duraan yeroo jalqabaaf fudhatamaa kan turee aarsa iddoo aarsaa irraati, iddoo aarsaa fuula dura (cf. 9:13, Lewoota 16:11-13). Isaan kun fakkeenyoota iddoo aarsaati, hiiki isaanii geggeedaramaa kan ta'e. furtuun yaada barumsa hafuuraa isaa, kun kan ta'uu Waaqa irratti fuula Waaqayyoo duratti.

▣ **"Achi irraas saglee kakawee ta'ee"** ta'iin foonii akka kanaa yeroo hundumaa kan inni wajjin wal qabatuu argamuu Yaahiwwee wajjin (cf. 4:5, 11:19, 16:18, Ba'uu 19:16-19, Faru. 18:10-13).

## MUL'ATA 8:6

**6Ergamoonni torban malakanni torban kennamaniifis malakata isaanii afuufuudhaaf in qophaa'an.**

**8:1-6** lakkoofsonni kun yeroo cal jechutti gocha ta'an bakka bu'u.

## MUL'ATA 8:7

**7Ergamaan inni duraa malakata isaa afuufe. Cabbiin ibiddi dhiigaan makamees argamee lafa irratti gad dadarbatame; laftis harka sadii keessaa harki tokko ni gubate, mukkeetiin harka sadii keessaa harki tokko in gubatan; margi lalisaan hundinuus in gubate*.**

**8:7 "dhiigaan kan makkamee cabbie fi abiddatu ta'e"** fakkiin baay'een kan fudhataman dha'icha Gibxii irraati. Dubbifamni kun BA'uu 9:24 kan eeruu dha. Akkasumas immoo kun Hiz.38:22 irraa fudhatameera jechuun ni danda'a, loltoota werertoota Googi gala galuu isaanii.

▣ **“Lafa irraa harki sadii ni gubatee”** kun kan murtaa’ee, guddummaa kan qabuu dhibbentaan kan itti fufee jiruu boqonnaa muraasi irra deddeebi’ee eereera (cf. 8:7-8, 9, 10, 11, 12, 9:15, 18:12:4). Inni lamaffaan firdii tartiibaan isa jalqabaa irraa baay’ee kan jabaatee dha (cf. 6:8 achitis harka tokko irra afyr kan eerame). Yaahiwween amma iyyuu sichi ilma namaa isa cubbamaa ga’uudhaaf yaalaa jira, kara dha’icha fooniitiin (Ba’uu 7:11, Keessa deebii 28-29), isaan garuu qalbi jijjirannaadhaan deebii amantii hin laanne!

▣ **“Margi lalisaaniis ni gubatee”** kun kan inni argisiisuu margi lalisaa hundumtuu gubachuu isaati, margi lalisaan naannoo tokko sadaffaa irratti eegamuu isaa.

## MUL'ATA:8-9

**8Kana boodee ergamaan inni lamaffaan malakata isaa afuufe. Wanti akka tulluu guddaa ibiddaan gubatu tokkos galaana keessatti ni darbatame, galaanichis harka sadii keessaa harki tokkoo dhiiga ta’e*. 9uumamni lubbuu qaban galaanicha keessa jiraaatanis harka sadii keessaa harki tokko ni du’an; markaboonnis harka sadii keessaa harki tokko ni balleefaman.**

**8:8 “Abiddaan kan gubamuu gaara guddaa kan fakkaatuu galaanatti gatame”** ammas dabalataan dhimmi isaa burqaa murna Yohaannisi dha  Roomee, Yihuudi kan kitaaba qulqulluu, yookaan kakuu moofaa.

1. Kakuu moofaa ta’us, egaa Farf. 46:2 yookaan Ba’uu 7:20-21 waabii ta’aa.
2. Apokilaptikii Yihudootaa yoo ta’ees, egaa waabiin isaa 1Heenook 18:13-16 yookaan himtee sibilinii 5:158 ta’uu danda’a.
3. Roomee yoo ta’ee egaa ta’uu kan danda’uu dho’iinsa gaara Vesuviyuus kan seenaa waabii seenaati, innis Yihudoonni akka firdii Waaqayyoo, Roomee irratti akka ta’ee, Yerusaaleemiin waan balleesseef godhanii fudhatu.

Burqaan sirriin fakkiduu Yohaannis sirritti hin beekamuu isaan garuu akka dheekamsa Waaqayyootti fudhatu, uumama finciltootaa irratti, kaayyoo furuu bifa tilmaama keessa galchuun.

▣ **“Dhiiga galaanaa harka sadaffaa kan ta’ee dha”** kunis waabii biraa dha, dha’icha warra Gibxititii fi Ba’uu 7:20-21).

**8:9 “…uumama keessaa harki sadaffaan ni du’e”** kunis dha’icha warra Gibxiif waabii biraa dha (Ba’uu 7:21).

▣ **“Dooni harki sadaffaan badeera”** kun kan kakuu moofaa wal cina tokku iyyuu hin qabuu, og baruu Apokilaptikiitiin yookaan kan jaarraa tokkooffaa keessaa ogbaruu Roomee. Ifa kan ta’ee daldala kan gufachiisuu kan mi’aatii fi hir’ina nyaataa akka qabaatuu dha. Innis kan Waaqayyoo kan murtaa’ee, firdii guddachaa deemuu mirkaneessa. Firdiin nijaabataa (1/4 mallattowwan, 1/3  malakatawwan) hanga xoofoochatti yeroon qalbi jijjiranaa akka darbuuti, fi wali gala, walitti qabaa firdii ta’a.

## MUL'ATA 8:10-11

**10Ergamaan inni sadaffaan immoo malakata isaa hafuufe. Urjiin guddaan akka guca boba’uu tokkoof waaqa keessa afa dha’e; inni immoo lagoota, burqituwwan bishaanii harka sadii keessaa harka tokko irratti kufe*. 11Maqaan urjii sanaas “Hadheesso:in jedhama; bishaanoonis harka sadii keessaa harka tokko hadhaa’ootti in geddaraman; sababii bishaan hadhaa’aa ta’eefis, namoonni baay’een bishaanichaan in du’an*.**

**8:10 “Urji guddaan samii keessaa gaadi kufee”** kun tarii kan Isaayaas 14:12 kan eeeruu ta’a. baay’een isa kana kan mul’ata 6:13 yookaan 9:1 wajjin deemsiisuu yaalaniiru, ha ta’uu malee kun tarii murna Yohaannis baay’ee jabeessuu qollofuu ta’aa. Tokkoon tokkoon tarreefamaa hiikuudhaaf yaaluu irraa of eegadhaa. Kun baacoo murnaati. Yeroo hundumaa og-baruu Apokilaptikii Yihudootaatiin urjiin kufee kan inni argisiisuu ergamaa dha (jechuun 9:1).

**8:11 “Maqaan urjichaas Ireetoo jedhama”** kakuu moofaatti Ireetoon kan inni wajjin wal qabatuu ejja wajjin (Keessa deebii 29:17-18). Innis immoo summii wajjin ol bahee mul’ata, fi waa’ee dhimma kanaati (Ermi. 9:15, 23:15, Amoos 6:12). Ireetoon matuma isaati (cf. TEV) , hadhaa’aa ture, kan ajjeessuu osoo hin ta’in. asitti firdii hafuuraatiif fakkiduu dha.

Warri ammayyaa tarreefama mul'ataa gar guyyaa mataa isaanitti dhiibbuudhaan kan isaan yaalaan sirrii kan hin taanee gochi fakkeenya gaarii ta'u, kan Ruusiyaa Cher Noobel dhaabbata Nikuuleera irra ejjisiisuu dha, innis baquun kan irra ga'amee, akka raajii raawwatameeti fudhachuu dha, sababni isaa maqaan isaan Ruusiyaatti Ireetoo waan ta'eef. Kana kan fakkaatuu shaakalli macaafa qulqulluu hiikuu, barullee ganamaa irratti hirkatanii, waggaa kuma lama darbanitti kan baratamee dha, nuyis adeemsa wal fakkaataa akk hin hordoofneef of nu eegachiisa!

## MUL'ATA 8:12

**12Ergamaan inni arfaffaanis malakata isaa afuufe. Biiftuun harka sadii keessaa harki tokkoo, jiinis harka sadii keessaa harki tokko, urjoonnis harka sadii keessa harki tokko, ifni isaani harka sadii keessaa harki tokkoo, akka dukkaneeffamutti in dha'aman; akkasitti ifni guyyaa harka sadii keessaa harki tokko, ifni halkanis harka sadii keessaa harki tokko hin ibsine*.**

**8:12** Dukkanni yeroo hundumaa mallattoo firdii Waaqayyooti (Ba'uu 10:21, Isaa. 13:10, 34:4, 50:3,Hiz. 32:7-8, Iyu. 2:2, 10, 31, 3:15, Amos 5:18, Mar. 13:24). Qaama waaqa irraa akka human hafuuraatti ni waaqessuu turan. Waaqayyodha kan isaan uume (Uma. 1:14-19, Isaa. 40:26), Mogaasi isaani (Faru. 147:4, Isaa . 40:26), isaan to'aataa (Isaa. 48:13), isaanis ni galateeffatuu Faarfannaa. 148:3).

## MUL'ATA 8:13

**13 Kana boodees joobira bantii waaqaa walakkaa balali'u tokkoon arge ;innis sagalee guddaa isaatiin iyyee, "sagaleen malakata warra kaanii, inni ergamoonni sadan dhageessisuuf jedhan dhaga'amuuf waan jiruuf, warra lafa irra jiraataniif wayyoo, wayyoo, wayyoo!" jechuu isaa nan dhaga'e*.**

**8:13 "Nan argee, Joobirri tokkoo samii waaqa gidduu osoo balali'uu sagalee guddaadhaan osoo jedhuun dhaga'ee…"** KJV "ergamaa" qaba, "joobira" bakka isa, kun garuu kan inni dhufee booda irraa jaarraa digdamii salgaffaa barreeffaa Girikii irratti. Lamanuu Sinaahi Tikas (א) fi Aleksanderineers (A) "Joobira" qabu. Kun argisiisuu kan inni danda'uu gobocoroo (yookaan joobira) dha, innis yeroo hundumaa fakkeenya isa qaluu kan ta'uu (Hiz. 17:3, Imb.1:8, Mate. 24:28, Luqaas. 17:37)

1. Waabii firdii argisiisuu dha Hiz. 39:17-20, Hosee 8:1 irratti
2. Kan kakuu Apokilaptikii kan ta'ee 2Baarook 77:21-22 waabii dha, kunis gobocoorotti ergaa erga, Waaqan saba miidhame
3. Sadarkaan loltuu Roomee fiicee joobiraa irratti ni godhama ture

"Samii gidduu balali'uu" waabii biraa ta'uu danda'a, simbiroota butan lafa irratti kan balali'aan (Mul. 14:6, 19:17).

▣ **"Isiniif wayyoo, isiniif wayyoo, isiniif wayyoo"** kun tarii dhufuuf kan jiruu malakata dhumaa sadan wajjin wal qabata (cf. 9:12, 11:14, 12:12), tarii fakkenya jabeessuu ta'uu danda'a (kan akka 4:8 "qulqulluu, qulqulluu, qulqulluu"). Ibirootatti deddeebiin yeroo sadii dorgommii isa dhumaati (kan akka Isaa. 6:3 qulqulluu, qulqulluu, qulluu). Kakuu moofaatti "wayyoo" kan inni argisisuu kan murtaa'ee ciigoo faaruu yeroo du'aati fi firdii wajjin kan adeemu.

▣ **"Lafa irra kan jiraataniif"** gaaleen kun kan inni argisiisuu warra hin furamini dha (cf.3:10, 6:0, 11:10, 13:8, 17:2).

# MUL'ATA 9

## MUL'ATA 9:1-6

**1Ergamaan inni shanaffaan malakata isaa ni afuufe. Yemmus ani urji isa waaqa keessaa lafa dha'e tokko nan arge; urjichaafis banana boola lafa jalaa isa gada fagoo in kennameef*. 2Urjichi afaan boola lafa jalaa isa gadi fagoo sana bane;aarrri akka aaraa iddoo ibiddaa guddaatti ka'uus boolicha keessaa ni ba'e , iji biiftuu, laftis aara boolichaa irraa kan ka'ee ni dukkanaa'an*. 3 Aaricha keessaa**

**immoo hawwaanisattu lafatti ba'ee; hawaannisa kanaafis aboon ni kennameef, aboon isaaniif kennameef humni torbaan qabaan lafa irraa qabu wal in fakkaata*. 4Isaan marga lafaa biqiltuu mukas utuu hin ta'in, namoota warra mallattoo Waaqayyoo addatti hina qabne duwwaa akka miidhaniif aboomaman*. 5Garuu namoota ajjeessu utuu hin ta'in, ji'a shaniif dhiphisuutu isaaniif kenname, dhiphinni isaan nama irraan ga'anis akka isa torbaan qabaan hiddee nama dhiphisuuti. 6Bara sanatti namoonni du'a ni barbaadu, garuu hin argatan; du'uus in hawwu, du'I immoo isaan irraa in baqata*.**

**9:1 "Samii irraa gara lafaatti urjii kufee tureen argee**" yaad-rimee heedduun turaniiru, kanaaf eenyummaan namoomsuu urjichaa , innis ergamaa jedhamee kan waamamu.

1. Gochamichi kan yeroo xumuramee sababa ta'uu isaatiin, innis seexana argisiisa, kan yeroo darbee kan kufee fi itti fufees samii irraa kan kufee (Isaa 14:12, Hiz. 28:16, Luqaa. 10:18, Mul.12:9)
2. Haala akka barreefamichaaatiin tajaajilaan biraan ergamaan firdii Waaqayyootti dabalamee ta'a (cf.21)

Ergamoonni akka kufan urjooni Yihudootaan barreefama kakuu irratti yeroo hundumaa argama.

▣ **"Furtuun boola baay'ee gadii fagoo itti kennamee"** "furtuu" 1:18 fi 20:1 irratti eerameera. Innis fakkeenya kan godhatuu aboo dha. Waaqayyo loltuu seexanaa irratti firdii aboo laata.

Boolli baay'ee gadii fagoon jecha Girikii yeroo ta'uu hiikii isaa "gadi fagoo" dha, alta'aa maxantuu duraa kan qabu.

1. Innis Saptuwajentiidhaan faayidaa irra oolera (kan kakuu moofaa hiiki Girikii) Uma. 1:2, 7:11 Ps.42:7,107:26 uumama bishaan gadi fagoof.
2. Faru. 71:20 irratti inni kan inni argisiisuu bakka warri du'an keessa jiranii dha.
3. Kunnis immoo Heenook 18:12-16, 21:7-10, 108:3-6, irratti sirridha, achitti lamanuu yeroodhaaf kan yeroo fi mana hidhaa isa dhumaati, kan ergamoota kufani.
4. Innis "tartarus" (Inxorxos) kan wal fakkaaatuu fakkaata (2Phexi. 4 fi 1Heenook 21:7) ergamaa hamaa bakki isaan itti hidhaman (Luqaas 8:31, Yihuudaa.6, Mul.11:7, 17:8, 20:1-3 fi 1Heenook 10:4, 86:1, 88:1, Jubilas 5:6-11).
5. Phaawulos jecha kana (boola baay'ee gadi fagoo) Roome 10:7 irratti fayyadameera, akka bakka warra du'aniti (Isa. 24:21-22).
6. Booda irratti barsiisotni kan jedhan inni kan Si'ool/gahanaam kutaa gaarii hin taanee dha (mata duree addaa:1:18 irratti ilaali).

▣ **"Ni kennameef"** tartiibaan kan ta'an gochama hoji irra oolan lammanuu boqonnaa 8 fi 9 irratti argamu, isaaniis, Waaqayyoo laman isaanii seenaadhaaf seexanoota to'achuu isaa (cf. 8:3, 7, 8, 11, 12, 9:1, 3, 4, 5). Barreesitootni Yihudootaa yeroo hundumaa sagalee hoji irra ooluu itti fayyadamu gocha hafuuraa karaa biraatiin argisiisuudhaaf.

**9:2 "Aarii akka iddoo abiddaa guddaati ba'uutti aara ta'ee boolicha keessa ba'ee"** jechi kun kakuu moofaaati bifa heedduudhaan faayidaa irra kan oolee:

1. Innis Sadoomii fi Gamooraa irratti firdii turee wajjin walitti dhufa (Uma.19:28)
2. Innis Waaqayyoo ormoota irratti firdii qabuu wajjin walitti dhufa (Isaa. 34:10)
3. Innis gaara Siinaa irratti argamuu Waaqayyoo wajjin walitti dhufa (Bau. 19:18)

**9:3 "Hawaanisawwan"** isaan kun yeroo hundumaa faayidaa irra kan oolan akka fakkeenya dheekamsa Waaqayyotti (Bau 10:12-15, Iyu. 1:4, 2:1) fakkeenya loltoota weereranii gochuu isaanii irraa kan ka'ee (cf. lak.7, Iyu. 2:4-5, 7-9)

**9:4 "Marga lafa irra jiru yoo ta'ees yookaan wanta lalisaa kamiin iyyuu muka kamiin iyyuu akka hin miinee jedhameen"** isaan humni seexanaa kun adaba isaanitiin kan murtaa'aani dha. Isaanis biqilaa kamiin iyyuu miidhuu hin danda'an garuu warra hin amnnee ni dhiphisuu malee ajjeessuu hin danda'an (cf. lak.5, 7:4) amantootni Waaqayyoodhaan eegaamu (dha'icha Gibxii irratti akka turan).

▣ **"Mallattoon Waaqayyoo adda isaanii irra"** 7:2 irratti yaadannoo guutuu ilaali. Inni Hiz. 9:4 kan eeruu dha.

**9:5 "Baatii shan"** warri tokko tokkoo daangaa yerookana kan isaan hiikaan kan kuruphissi yeroo inni jireenyatti turuu wajjin. Ta'us, ta'uu kan inni qabuu kan walakkaa lakkoofsa kudhaniiti, kunis firdii murtaa'eef fakkiiduu biraadha (cf. 6:6, 8, 8:7-12).

▣ **"Torbaan qabaan akka dhiphisu"** waraansi torbaan qabaa fakki(2sen10:11, 14).

**9:6** kun kan 6:15-16 kallatti wal cinaati, innis tarii guduunfaa rawwaata dabalataa ragaa yaad-rimeeti, mallattoo isaatiin, malakata isaatiin, fi xoofoo isaa gidduu. Kun tarii amantaa warra hin qabne, ejjituu Firdi Yihudoota Yerusaaleem kan eeruu dha Emi. 8:2-3.

## MUL'ATA 9:7-11

**7Bifni hawaannisoota sanaa fardeen duulaaf qopheeffaman in fakkaata; wanta akka gonfoo warqee mataa irraa qabu turan. Fuulli isaanii fuula namaa in fakkaata*. 8rifeensi isaanii akka rifeensa mataa dubartiiti; ilkaan isaaniis akka ilkaan leencaa ti*. 8Waan akka maddaa sibilaa diratanii turan; huursaan baallee isaanii akka maddaa sibiilaa diratanii turan; huursaan baallee isaaniis akka huursaa konkolaatoota fardeeniin harkifamanii duulatti didichaniiti. 10 Eegee fi ilkee warra kan torban qabaa fakkaatan qabu turan aboon isaan ittin ji'a shaniif nama miidhan immoo eegee isaanii keessa jira. 11Isaan mootii ofi irraa qabu turan, inni immoo ergamaa iddoo lafa jalaa sanaati maqaan ergamiichaa afaan Yihuudootaatiin "Abadoon" , afaan Girikiitiin immoo "Apooliyoo" jedhama; innis "balleessoo" jechuu dha.**

**9:7-9 "Bifi hawaanisichaaf"** ibsi qaama quruphisa kanaa Iyu'eel 2:4-9 irraa kan jiru wajjin baay'ee wal fakkaata dha akkasumas immoo beekama kan ta'ee fakkeenya kan Arabiffaa wajjin, "hawaanisawwan mata fardaa fakkaatuu qabu, harma kan leencaa fakkaatu qabu, miila gaalaa kan fakkaatu, qaama bofaa kan fakkaatuu fi rifeensa dubartii kan fakkaatuu waan lakkuu mataa irra qabu."

Kun ifatti macaafa Iyu'eel kan eeruu dha ibsa isaa irraa:

1. Ilkaan leencaa (cf. lak. 8, Iyu'eel 1:6)
2. Gara lolaatti kan adeeman lakkoofsa heedduu kan qaban konkoolataa fardaa (cf. lak. 9 fi Iyu'eel 2:5)

**9:8** warri tokko tokkoo kana akkaataan isaan itti ilaalan loltuu fardaa Peershiyaa irraati, rifeensa dheeraa kan qaban. Isaan kun farda irra taa'aan xiyyaan ogummaa waraanuutiin beekamoo turan. Warri Roomaa werartoota hamoota kana ni sodaatu turan.

**9:11 "Ofi irrattis mootii qabu"** Fakkeenya. 30:27 hawaanisawwan mootii hin qabu jedha, kun garuu loltuu daabilosiiti, kan qaama hawaaniisaa osoo hin taane.

◘ **"Ergamaa kan boola gadi fagoo"** "boola baay'ee gadi fagoo" jechi jedhuu bakka warra du'ani argisiisa (cf. 9:1, 2. 11, 11:7, 17:8, 20:1, 3, Roome 10:7). 9:1 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

◘ **"Maqaan isaas Ibirootaan abdoon Grikiidhaan Apholiyoon jedhama"** kan Ibirootaa (Aramawii) jechi hiiki isaa "badiisa" yemmuu ta'uu jechi Girikii "kan ballessuu" dha. jechi Ibirootaa si'ool jedhamuun beekama, bakka warra du'anii (Iyob 26:6, 29:22, 31:12, Faru. 88:11, Fakkeenya 15:11, 27:20).

Roobert BGerdel Istoone waa'ee jecha kanaa yaaa ajaa'ibsiisaa qaba, kan kakuu moofaa wal fakkaatee kan jedhuu macaafa isaa irratti: "jechu kun" baduu" kenna, dubbifama dhibba kan ta'uuf. Nama dhuunfaadhaaf faayidaa irra yeroo ooluu inni kan inni argisiisuu du'a, lafa irratti hoji irra yeroo ooluu tokkummaan isaa badiisaa (fuula 273).

Iyoob 28:22 irratti du'aa wajjin namoomsuu ta'eera. Namomsuun kun immoo maraa garba du'aa fi kakuu Apokilaptikii Yihudii amala og baruuti. Kun kan hin baratamne fakkaata sababni isaa kakuu moofaati ergamaan du'aa tajaajilaa Yaahiwweeti (Bau. 12:23, Iyoob 15:21) yookaan kan Yaahiwwee namoomsuu (Bau.12:13, 29).

Asitti garuu ergamichii kan fakkaatuu kan hidhaman angaffa loltuuu seexanaati. Kunis kan biraaf kan karaa argisiisuu dha,  Waaqayyoo waan hundumaa akka to'aatu.

Warri tokko tokkoos akkassuma kan isaan cimsan akka mooticha Neeroo fi Doomitiyaniiti, foon kan uffatan Apooloo akka ta'an, akkasumas maqaan Girikii kun  boca bade kan qabuu dha, Apooliyooni wajjin waabii kan ta'e. kana degeruu fi ragaan xixxiqaan lama jira,

1. Hawaanischii fakkeenya Apoolooti
2. Apooloo jechi jedhuu fi Apoliyoon lamanuu kan dhufan hundee jecha Girikii wal fakkaatu irraa

## MUL'ATA 9:12

**12Wayyoon inni duraa darbeera, kunoo kana booda sichi wayyoo lamatuu dhufa.**

**9:12** lakkoosfi kun 11:14 fi 12:2 wajjin wal qabata.

## MUL'ATA 9:13-19

**13Ergamaan inni jahaffaan malakata isaa afuufe. Yemmuus ani sagalee gaanfa arfan biraa ba'uu nan dhaga'e; gaanfooni sunis iddoo aarsaa warqee irraa hojjetamee fuula Waaqayyo dura jiru irra turan. 14Sagallichi, ergamaa isa jahaffaa malakata baatu sanaan, "ergamoota afran laga Efiraxiis isa guddichatti hidhaman hike!" jedhe. 15 Ergamoonni afran sun in hiikaman; isaan warra nmoota harka sadii keessaa harka tokko ajjeesuudhaaf sahatti kanaaf, guyyaa kanaaf, ji'a kanaaf, waggaa kanaaf, qopheefamanii turani dha. 16Lakkoofsa loltoota abboota fardeenis nan dhaga'e lakkoofsi isaanis milliyoona dhibba lama ture. 17Yemmus ani fardeen sanaa fi warra fardeen sana irra ta'aan mul'atatti nan arge isaan madda sibiila isa diima, bifa bantii waaqa, bifa dhangagoof, qabu turan. Mataan fardeen sanaas mataa leencaa ni fakkaata ture; afaan isaanii keessa immoo ibiddi, aarrii, dhagaan boba'uus ni ba'u turan, 18ibidda, aaraa, dhagaa boba'uu, dha'icha sadan afaan fardeenii keessaa ba'an sanan, namoota harka sadii keessa harka tokkotu ajjeefame. 19aboon fardeen sanaas afaan isaanii keessaa, eegee isaanii keessas jira; eegeen isaanii inni bofa fakkaatuu mataa qaba, isaan namoota nii miidhu.**

**9:13 "Warqee irraa kan hojjetamee gaanfa aarsaa golee afraniin sagalee tokkoon dhaga'ee"** kun iddoo aarsaa irratti aarsaa ixaanaa kan eeruu dha (Bau. 30:2, 3, 10). Kutaa kanaa kan eeramee iddoo aarsaa lamatu jira: aarsaan kan irratti dhi'eefamuu iddoo aarsaa,  innis lubbuun kitimamtootaa kan achitti argan (cf. 6:9-11), fi iddoo aarsaa ixaanaa kadhanaa sabaa Waaqayyookan jiraatuu (cf. 8:3-5). Gaaffooni fakkeenya humnaa kan kakuu moofaati. Lammanuu iddoo aarsaa ixaanaa fi iddoo aarsaa aarsaa gaafoota qabu. 8:3 irratti kan jiruu yaadannoo ilaali.

**9:14 " 'Galaana guddaa Efiraaxisitti kan hidhaman ergamoonni afran fuuli isaanii'"** kan seenaa eeruu jaarraa tokkoffaa kan barbaadan akkaata isaan itti ilaalan akka loltu Faarisitti, gama laga Efraxisitti (jechuun, daangaa addunyaa Roomecf. 1ffaa Henook 56:5-8. Ta'us kan biroon akkaataa isaan itti ilaalan akka waabii kakuu moofaati, Zakka. 1:8 fi 6:1-8 akka irrati argamuutti fardii Apokilaptikii afur, isaan kun ergamoota afur Waaqayyoo kan isaan muudee tajaajiloonni fakkiiduu kan biraa fakkaata, kan kufee, addunyaa hamaa kana irra firdii kan fidan (cf, 7:1). Ta'us, ergamoonni kun sababa hidhamuu isaaniitiin, waabii ergamoota hamaa ta'uu danda'u (Yihudaa lakk. 6). Ergamoonni kun ilma namaa harka sadaffaa irratti du'a fidu (cf. lakk. 18).

Lagni Efraxiis kutaa kaabaa, gaanii bishaanii gara kaaba bahaatiin daanga biyyatti abdiitiin ture (Uma. 15:18 Kes. 1:7, 11:24, Iyaasuu 1:4).

**9:15 "Kan sahatii guyyaa ji'aa waggaaf qophaa'nii kan turan ergamoonni afranuu ni hiikaman" "sahati"** jecha jedhuu wajjin keeyatni murtaa'e jira, kunis kan gaalee xumuramee kanaati murtaa'uu isaa argisiisa. Kun olaantummaa Waaqayyoo seenaa kan to'aatuu kan eeruu dha (1Henook 92:2). Kun rakkina keessatti kan darbani gargaarsa guddaa dha.

**9:16 "Lakkoofsa loltuu abboota fardeenis nan dhaga'ee lakkoofsi isaanis miliyoona dhibba lama ture"** kun kan loltuu diyabiloos fakkeenya lakkoofsaati, kan bal'atee kan hin furamiin ilma namaalakkoofsi kun

Waaqayyoon kan tajaajilan ergamoota baay'ee wajjin wal dorgomsiisuu danda'a (cf. 5:11, Zakka. 33:2, Faru. 68:17, Dani. 7:10, Ibi. 12:22, Yihuuda lakk. 14).

Ammas immoo, kun saba ammayyaa Chaynaa wajjin wal bira qabuu yaaliidhaan fakkeenya biraa dha, barreefamni fakkiidu seenaa ammaa wajjin wal qabsiisuu.fedhii beekuu dhufaati kiristaanootaa fi wali waliin beekumsa adda ta'ee argachuuf kakka'uun rakkoo yeroo ammaati.

**9:17-19 "Fardeewwaan di isa irra kan taa'an"** ibsi itti fufuu faradoowwani fi kan galabsiisan akka ramaddii tokkotti kan isaan ilaalan. Inni guddaan kan du'aatii fi humni badiisaa faradoota sana mataa isaaniti (cf. lakk. 19). Halluun faradootaa _ diimaa (abidda) cuquliisaa (gosa biqiltuu) fi keelloo (salfarii)___kuni garee loltuu seexanaa ibsa, akka dha'icha sadaffaatti abbida, aaraa samii, fi Salfarii, lakk. 18 irratti kan eeraman.

## MUL'ATA 9:20-21

**20Namonni dha'icha sanaan utuu hin ajjeefamin afan immoo, yaada garaa isaanii geeddaratanii waaqoolli harka isaaniitiin tolfatan irraa hin deebine; hafuura hamaadhaa fi waaqoolli warqee irraa, meetii irraa, sibiila diima irra , dhagaa irra, muka irraas tolfamani argu, dhaga'uu, asii fi achi deddeebi'us hin dandeenyeef gombifamani sagaduu hin dhiifne. 21 Isaan yaada garaa isaanii geedaratanii lubbuu ajjeessuu irraa, qoricha namatti gochuu irraa, halalummaa isaanii irraa, hanna isaanii irraas hin deebine**.

**9:20 "Dha'icha kanaan kan hin duunee namootni hafan …. Waa'ee hoji harka isaanitiif qalbi hin jijjirannee"** kun ifa kan ta'ee, ibsa waliin nama hin dhoofnee dha, waa'ee dha'icha kanaaf kaayyoon furuu (cf. lakk. 21 14:6-7, 16:9, 11:21:7, 22:17).

Waaqayyoo Gibxitti dha'icha isaa kakaasuuf akka itti fayyadamee (1)warri Gibxii isa amanii akka tajaajilanii fi (2)Israa'eloonni amanamoo ta'anii akka tajaajilaaniif (Keessa deebii 27-28), akkasumas dha'ichi wal fakkaatan kun kan isaan ta'an ilma namaa hin amnne gara uumaa isaaniti deebisuu dha, isaan garuu didaniiru. Diduun isaanii amanuu diduu hameenya dhaabbataadhaa fi dhaabataa ta'e (Roome 1:24, 26).

▣ **"Hoji harka isaaniitiif"** kun eja kan eeruu dha (jechuun, waaqefannaa waaqa tolfamaa Keessa deebii 32:17, Faru. 106:37, 1Qoro 10:20) innis kakuu moofaatti yeroo hundumaa kan eeramee (Kes.4:28, 28:36, 64, 29:17, 32:17, Faru, 115:4-8, 135:15-18, Isa 2:8, 37:19, 40:19-20, 44:17, Ermi 1:16, 10:3-5, Dani. 5:23, Miiki. 5:13). Halalummaan kakuu haaraa fi kan walqabsiisuu seexanaa wajjin (cf. 16:14, 1Qoro. 10:20, 1Ximo. 4:1).

**9:21** isaan wanti afran kun (halalummaa, ajjeechaa, moortuu, safu-maleessa) kakuu moofaatti kan balaalefatamanii dha (Kes. 18:10-11, 14, 20, Bau. 22:18 Lewoota 20:6) isaanis amala kan godhatan warra hinamaniin akkaatee jireenya safuu maleessati (Roome. 1-2, 1Xim. 4:1, Mul.18:23). Kana kan fakkaataan qalbi kan hinjiijjirannee galeen gareen keessa galfaman 13:15-17, 14:9, 16:2,9, 11 irratti eerameera.

▣

**NASB, NKJV**

**NRSB "moortuuwwan"**

**Tev "moortuu"**

**NJB "moortuu"**

Jecha ingilliffaa "mana qorichaa" kan argannee jecha Girikii (pharmakeia, dha, Galaa. 5:20). Kun tarii qoricha yookaan faallamuu ta'uu danda'a, duraan dursinee akka eeree Ireetoo kan qabuu (cf. 8:11). Addunyaa duritti qorichii yeroo hundumaa faayidaa irra kan ooluu "shakaala amantaa" shaakalaa wajjin kan wal qabatee dha.

## GAAFFILLEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'uu, kana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiikuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya isa nu kennameen deemuutu nurra jira. Hiiki warri duraa sii, Kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kan deebiftee hiika irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffillee mare kanaa kan kennaman kutaa kitaaba kanaa dhimma gurguddaa akka ta’utti akka qayyabatuu akka si gargaaruu dah.Kana jechuun akka ta’utti akka itti yaadu kakkaasuuf malee kana qofaan akka ati daangeefamtu miti.

1. Murna boqonnaa kanaa madda isaa eessa irraa argachuu dandeenyaa: (1(kakuu moofaa irraa:(2)og-baruu Apokilaptikii Yihudootaa yookaan (3)tibba seenaa addunyaa Roomaa irraa
2. Tibbawwan kun kan isaan argisiisaan (1)jaarraa tokkooffaa (2)jaarraa hundumaa, yookaan (3)dhufaatii isaatii?
3. Boqonnaan kun fudhatamuu kan qabuu akkuma jiruutti yookaan Apokilaptiidhaa?
4. Kan boqonnaa 8-9 yaadi ijoo guddaan maalii dhaa?
5. Mallattoo torbannuu fi xoofoo torbannuu boqonnaa 8 fi 9 irratti akkamitti adeemaa?
6. Dhuufatii isaa fuula dura kan dabalee ergamaa fi gochi seexanaa maaliif jiraataa?

# MUL'ATAA 10:1-11:19
# RAMADDII KEYYETA HIKA HAARAA

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ergamaa fi macaafa Maramaa xiqqaa | Ergamaa guddaa fi macaafa maramaa | Yeroo turmaataa | Ergamaa fi macaafa maramaa xiqqoo | Adaba dhumaa |
| 10:1-7 | 10:1-7<br>Yohaannis macaafa Xiqqoo nyaate | 10:1-7 | 10:1-4 | 10:1-7 |
| | | | 10:5-7 | raajichi macaafa Xiqqoo nyaate |
| 10:8-11 | 10:8-111 | 10:8-10 | 10:8 | 10:8-11 |
| | | | 10:10-11 | |
| | | 10:11 | | |
| Ragaawwan lamaan | ragaawwan lamaan | malakata mana Qulqullummaa fi Ragaawwan lamaan | ragaawwan lamaan | ragaawwan lamaan |
| 11:1-13 | 11:1-6 | 11:1-3 | 11:1-3 | 11:1-10 |
| | Ragoonni ni Du'an | 11:4-6 | 11:4-6 | |
| | 11:7-10 | 11:7-10 | 11:7-13 | |
| | Dhuga-baatootni Isaa ni ka'an | | | |
| | 11:11-14 | 11:11-13 | | |
| 11:11-13 | | | | |
| | | Malakata torbaffaa | | |
| 11:14<br>11:14 | | 11:14 | 11:14 | |
| Malakata Torbaffaa | malakata torbaffaa mootummaan ni furame | | malakata torbaffaa | malakata torbaffaa |
| 11:15-19<br>18 | 11:15-19 | 11:15-19 | 11:15-18 | 11:15- |
| | | | | 11:19 |
| 11:19 | | | | |

**RAMADDII BRREEFFAMA SADAFFAA** (fuula v ilaali kutaa seensaa)

Yaada barreessaa jalqabaa sadarkaa keeyataa isaan hordofuu

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'uu, kana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiikuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya isa nu kennameen

deemuutu nurra jira. Hiiki warri duraa sii, Kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kan deebiftee hiika irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Boqonnicha yeroo tokko dubbissi. Yaada ijoo isaa irratti (ramaddii dubbifamaa lakk.3 fuula viii). Yaada ijoo keeti ramaddii isaa oli kan tarreefaman hiika shaman wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees yaada barreessaa jalqabaa kan ta'ee hiika wanni guddaan irratti ni argama. Keeyatni tokko tokko yaada ijoo tokko qofa qabateera.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lamaffaa
3. Keeyaata sadaffaa
4. K.k.f.

**QABIYYEE AKKAATAA YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Yeroo turmaataa jalqabaa (boqonnaa 7) kan inni dhufuu jahaffaa fi torbaffaa mallattoowwan sana giduutti . yeroo turmaata lamaffaa (10:1-11:14) kan inni dhufuu jahaffaa fi torbaffaa malakataa giddutti. Xoofoowwan jahaaffaa fi torbaffaa giddutti yeroon turmaataa tokko iyyuu hin jiru (boqonnaa 16),ha ta'uu malee turmaaatni kan biroon isaan kana irraa duraan dursee jira (boqonnaa 12-14).

B. Turmaatni yeroo kanaa, kan akka boqonnaa 7 jecha kakuu moofaa ni fayyadama(mana qulqullummaa, iddoo aarsaa, Yesusaaleem). Ta'us, boqonnaa 7 irratti akka jiruu kan Yihudootaa kan eeruu fakkiiduu gara kakuu haaraatti saba Waaqayyoo argisiisa waldaan kiristaanaa, boqonnaa kana keessattis akkuma kana. Kan eeruu kan fudhataman Daani;eel 9 yeroo ta'uu ha ta'uu malee Giriko-Roomee jaaraa tokkooffaa haala yoomeessaa ilaaleera.

Iddoo kanatti Aleen Johsan irraa tarreefama mul'ataa irratti luqisii gabaaban jira, "akkaataan ilaalcha Yihudootaa boqonnaa kanaa qabiyyee boqonnaa 10 wajjin haala wal bira qabuutiin dadhabbii danda'uu dhabuutu jira, kan mallattichaa yeroo turmaataa wal cinaa wajjin (boqonnaa 7), kan ragaa lamaan tajaajilaa fi faayidaa isaa wajjin, akkuma kana kan itti fufee jiruu boqonnaa mulaataa wajjin (keessumatti, boqonnaa 12-13). Kanaafuu, boqonnaa 11 hubachuu wayya, hawaasaa kirstaanaa guutuu akka eeruu" (fuula 104).

C. Alen Johsan boqonnaa 11 boqonnaa 7,10 fi 12-13 firooma isaa akka ilaalee Jorgi Laad isa kan inni ilaaluu ramaddii barreefamaa mataa isaa danda'eetti, saba Yihudootaa irraa eegamuu fi fayyina dhumaa wajjin wal qabsiisuu (Mat.. 23:39, Luqaas. 21:24, Roome.11:26). Kan isaa tarreefama Mul'ata Yohaannis fuula 150-151 ilaali.

Ilaalcha lamaan kana giddutti murteessuun rakkisaa dha. Ani dhugumatti kan natty dhaga'amuu Waaaqayyoo Israa'eel kan inni qabuu jecha irraa kan ka'ee dadamaqiinsa bara dhumaa isa guddaa yookaan Israa'el jijjiramee irratti ta'a, baay'een gara amantii Kristoosiin ta'eetti ni deebi'uu (Zakka. 12:10), kun Roomee irratti kutaa muraasa falmii Phaawuloositi (innis dhugumatti kan danda'amuu Zakkaa. 12:10 irratti dadamaqiinsi eeramee kan jaarraa tokkooffaa walda kiristaanaa Filisxeemitti ta'eera jechuun ni danda'ama). Ta'us, kan mul'ata 7:10 fi 12-13 tokkummaa akka haala barreefma sanaatti sadarkaa wali gala kan qabuu sabni Waaqayyoo hundumtuu eeguu fi warra hin amanne irratti firdii ta'uu dha. Akka haala barreefma kanaatti cimsi amantoota Yihudootaa yookaan cimsi ormootaa bakka isaa miti.

D. Dhuga batootni bra dhumaa laman ni jiraatu yookaan dhuga batootni bara dhumaa lamaan fakkeenyaa? Fakkeenyi kitaaba kanaa sirritti beekamee hiikaamuudhaaf baay'ee ulfaata. Yohaanissiin akkuma jirutti godheera yoo ta'ee, inni sharbee adda ta'ee kan filatee ture amantoota bara hundumaa keessa jiraatanii fi kan mul'isuuf.

Kun "kan dhuga-baatoota lamaanii" kan waabefatu kan rakkina jaaraaa tokkooffaatti fi amantoota fudhatanii fi hiika adda ta'ee qabaataa (tarii gareen waaqefannaa durii)? Kana walitti qabuun deebbisuu hin danda'u murni Yohaannis kan waraabamee burqaa heedduu irraa waan ta'eef:

kakuu moofaan og0baruu Apokilaptikii, aadaa Girikoo-Roomaa fi kan yeroo himtee baha dhihooti (boqonnaa 12). Dhageefatoota jalqabaa kan xumuramee fi guutumaatti burqaa isaatiif bak-buusaa isaa hubataniituu? Tarii ta'uu dhiisuu danda'a, karaa adda ta'een ta'uu dhiisuu danda'a, sharbee isaa garuu beektaniitu! Isaanis akkuma jirutti raawwii seenaa tarreefama isaa hundumaa akka ta'uu fi dhiibbaa hin goone.

Sodaan koo qophaa isaa ibsa kana qopheessuudhaan, raajjii kakuumoofaa duraa hafuuraan kan liqimfaman barreesitootni kakuu haaraa akkamitti akka hiikanii dha! Isaan yeroo hundumaa kan isaan ilaalan kan kakuu moofaa tarreefama akkuma jirutti raawwii isaati, jireeny aKristoositi. Warri tokko tokkoo raawii kanaa jecha tapha barsiisotaa turan, yookaan ta'uu kan qabuu/ta'uu kan qabuu fakkeenyoota hin taanee. Geggeessaa hafuuraa jalatti (yookaan barumsa Yesuusitti, Luqaas 24:13-35) kan ergamootaa kan yeroo seenaa yoomeessaa karaa raajii kakuu moofaatiin mul'ata. Wanti wal fakkaataan kun dhaloota dhumaatii fi amantoota ari'atamaniif ta'uu danda'a. ta'us, hiiktootni gidduu galan tarreefama kana irraa barumsa hafuuraa isa kamiin yookaan hiika og-baruutiin dursanii raajuu hin dandeenye! Hiiktootni ammayyaa gochuu kan isaan hin qabnee (1)seenaa mataa isaanii barreefama Apokilaptikii kana irratti fe'uu yookaan (2)kanaaf baayy'ee bak-buusaa sharbee tareefamaa dheebuu raawwii akkuma jirutti. Yeroon ni dubbata!

E. Gareen barreefamaatii fi mallattoowwanichii fi malakatoowwan fakkeennoo guutuu guutuutti hin taanee wal fakkaataa dha. Lamanuu seenaa namootaa gara raawwii barbaachiisaati ni fidu (cf. 6:12-17 fi 11:15-19).

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

**Nul'ata:10:1-7**

**1Ergasuu immoo ergamaan aango-qabeessi biraa tokko waaqa keessaa utuu gadi bu'uu nan arge. Ini duumessa ofitti maree, naannoo mataa isaatti sabata Waaqayyo qaba ture, fuulli isaa akka biiftuu in callaqqisa, miillan isaas akka utuuboota abiddaa turan*. 2Inni macaaa banamu xinnaa banama isa of harkaa qaba ture; miilla isaa mirgaa galaana irra, miilla isaa bitaas lafa gogaa irra ni ka'aate; 3sagalee guddaa akka sagalee leencaa aaduutinis ni iyyee. Yeroo inni iyyee sanatti qaqawween torban sagalee isanii in dhageesisan. 4Akkuma isaani dubbataniin, ani waan isaan jedhan caafuuffan ture; garuu sagalee Waaqa keessaa, "wanta qaqaween torban dubbatan cufii garatti qabadhuu malee hin caafin!" jedhu nan dhaga'ee. 5ergamaan inni ani galaana irra, lafa gogaa irras dhaabbate argeesun, harka isaa mirgaa gara Waaqatti ol qabe. 6 Maqaa isaa baraa hamma baraatti jiraatu, isa Waaqa, waanta isa keessa jirus, lafa, wanta isa keessa jirus galaana, wanta isa keessa jirus, uume sanan kakate, "si'achi lafa irraa harkisuun hin jiru; 7Bara malakanni inni torbaffaan hafuufamuuti garuu wanti Waaqayyoo dhoksaatti akeeke, akkuma inni raajoota hojjeetoota isaatti himee ture sanatti, raawwatamuuf jira" jedhe.**

**10:1 "Kan biraanis ergamaa jabaan samii irraa osoo gadi bu'uun arge"** Yohaannis boqonnaa 4-5 mul'ata boodatti gara lafaatti deebi'uu isaa hubadhu (Boqonnaa 4 irratti Yohannis gara samiitti waamamuu butamuu waldaa kiristaanaa yoo ta'ee, kun kufaatti waldaa kiristaanatii?). ergamaan kun kan inni ibsamee kakuu moofaatti Yaahiwweedhaa fi Kristoosiin Mul'ata 1:12-20 jecha faayida irra oolanii dha. Sababa kanaaf baay'een kan cimsa itti laatan kun Kristoos mataa isaati. Ta'us, kun sababa itti aanee jiruuf shakkisiisaa dha:

1. Kristoos Mul'ata irratti ergamaa jedhamee raawwatee hin eaamamne
2. Mul'ata irratti kan biraa ergamaa jabaan kan galmeefame jira (cf.5:2, 18:21)
3. Ergamaan kun Waaqayyoodhaan kakata lakk.6 irratti kun immoo Kristoosiif kan hin taane
4. Daani'eel 10 irratti ergamaan biraan jira, innis jecha wal fakkaataadhaan kan ibsame.

Kun ibsa tarreefameen ergamaa ifaa kanaa ergamaa boola gadi fagoo wajjin wal faalleessa, mul'ata 9 irratti. Mul'ata 9 irrati kan jiru ergamaan akka wal qabateetti, ergamaan kun mataa isaa kan ajajuu dha. Kun tarii Daani.10:5-6 ergamaa jabaa kan eeruu dha, yookaan Mikaa'eel angaffa ergamootaa Israa'eeloota Daani 10:13 fi 12:1.

▣ **“Duumessa ufatee”** kakuu moofaatti duumessi adda kan ta’e hafuuraa kan baatuu ture (Faru. 97:2, 104:3, Dani. 7:13, HoE. 1:9).

▣ **“Mataa isaa irras sabata Waaqatu ture”** baay’een kana kan isaan ilaaln kan akka 4:3 eeruu dha fi kanaaf hafuuraa fi humnaa fi tayitaan maqaa kan biraa ta’uu isaa kan yaadatu. Inni eeruu deebisee gara Izi. 1:28 deema, achittis sabati Waaqa sochi teessoo Yaahiwwee/konkolaataa kan itti ta’e.

▣ **“Fuulli isaa akka aduu turee”** kun kan inni hordoofuu ibsa Kristoos 1:16 (Mat. 17:2) kan argamu.

▣ **“Miilli isaa isaa akka utubaa abbidati”** ibsi kun immoo Kristoosiif wal fakkaataa dha Mul’ata 1:15 irratti.

**10:2 “Kitaaba xiqqoo banamtuu harka isaatti qabatee”** waa’ee kitaaba xiqqoo kanaa marii bal’aan geggeefameera. Warri tokko tokkoo akkaataa isaan itti ilaalan 5:1 irratti kan jirtuu akka kitaaba xiqqooti, amma banamteeti, ha ta’uu malee jechi Girikii adda addaa lama faayidaa irra ooleera (5:1, biblion, 10:2, biblaridion). Kan biroon akkaataa isaan itti ilaalan Hizikeel 2:8-3:14 wajjin wal qabatamaa dha. Kun ergamaa malee Kirstoosiin waan hin taanees Hizqeel waabii baay’ee fooya’aadha.

▣ **“Miila isa mirgaa galaana irraa bittaa immoo lafa irra kaa’ee”** waa’een hanga ergamichaa waa’ee wali gala ergamichaa dubbata. Barsiisonni (Taalmud irratii) Sandilfoon ergamaa jedhamuu ibsa, innis ol ka’iinsa guddaa mayiili 500 ta’ee ergamoota biraa irra kan dheeratuu (Hagagahi 13b).

**10:3 “Akka leencaa harqanuuttis sagalee guddaadhaan hiyyee**.” “iyyuu” jechi jedhu (mukaomai) yeroo hundumaa fayidaa irra kan inni ooluu sagalee sangaatiif (deeffuu xiqqaa). Ta’us, ta’uu kan qabuu kun kan kakuu moofaa dubbifama waabii ta’uu isaati, Waaqayyo akka leencaati kan itti dubbatuu (Ermi. 25:30, Hosee 11:10, Iyuu. 3:16, Amos 3:8).

▣ **“Kakaween torbanuu sagalee mataa isaanitiin dubbatan”** eenyummaan kakkawee kanaa kan hin beekamnee dha. Kun ta’uu kan qabuu:

1. Sagalee torban Waaqayyoo kan eeruu dha, faru. 29:3-9 kan jiru
2. Mallattoowwan torbanii fi malakata torban wajjin wal cina, innis war hin amaniin irratti kan ta’uu marsaa Firdii Waaqayyooti (cf. 8:5, 11:19, 16:18) kaayyoo furuutiif
3. Sagalee teessoo Waaqayyoo biraa dhufee (cf. 4:5)
4. Innis immoo hafuuroota torban Waaqayyoo wajjin adeema (cf. 1:4, 4:5, 5:6, Isaa. 11:22)

**10:4 “Mallattoodhaan cufee”** kitaaba qulqulluu keessatti bakka heedduutti, inni tokko Waaqayyo irraa mul’ata fudhatee mul’isuu garuu kan hin dandeenye. Isaan kana keessaa lamanuu (1) Daani’eel (Dani. 8:26, 12:4, 9) (2)Phaawuloos (2Qoro. 12:4). Ta’us kun baay’eee ibsa ajaa’ibsiisaa dha. Yohaannis kan arge akka barreessu iti himameera (cf. 1:11, 19, 14:13, 19:9, 21:5). Yohaannis 22:10 irratti kan jiran jechi raajii mallattoodhaan <u>akka hin cufamnee</u> dubbateera. Erga kana qofa kan ilaalate ta’a!

**10:5 “Harka isaa isaa mirgaa ol kaasee diriirsee**,” kun kakuudhaaf kan ta’uu sochii qaamaati (Uuma. 14:22, Ba’uu 6:8, Seeralakk. 14:30, Keessa deebi 32:40, Hizi 20:15, 28, Daani. 12:7). Bifni kakaa kanaa baay’ee kan namatti bu’uudha, Waaqayyoodhaaf maqaa inni kenne irraa kan ka’e.

**10:6 “Baraa hamma bara baraatti jiraataa ta’ee kan jiraatu**” kun amala Waaqayyoo kan kakuu moofaa baay’ee kan barataman maqaa lama yaadachiisa:

1. Gochamni Ibirootaa Yaahiwwee “ta’uu” (Bau. 3:14). “kan jiruu fi kan jiraatuu” hafuuraa fi maqaa kakuu ture, innis Waaqayyoodhaaf cimsa laata, akka fayyisaa fi furaatti (Uma. 14:19, Bau.20:11, Nayihimiya. 9:6, Faru.. 146:6).
2. Elohim, innis Waaqayyoodhaaf faayidaa irra kan oole, Seera Uumama 1 irratti akka uumaatti, eegduu, fi kennaa, lafa irra kan jiru hundumaa (Uma 14:19, Bau. 20:11, Nahimiyaa. 9:6, Faru. 146:6).

Kakuun kun kan ergamichaa ergaa amanamaa ta’uu isaa karaa inni ittiin cimsuu dha.

▣ **"Gara fuula duraatti hin turu"** kun deebii ta'uu danda'a, 6:10 gaafii kitimamtootaaf kan dhi'aate. Innis akkuma jirutti "yeroo sana (chromos) kana booda hin ta'u dha." Yaad-rimeen yeroo kitaaba kana keessatti sababa heedduudhaaf baay'ee jijjiramaa dha.

1. Yeroo kan ibsan jecha Girikii adda addaa lamaatu jira
   a. Chromos, darbuu yeroo (cf. 10:6)
   b. Kairos, sahati addaa, waqtillee, yookaan tibba (cf. 1:3, 11:18, 12:12, 14).
2. Ciigoowwaan baay'een faayidaa irra ooleera
   a. "Dhi'otti dirqama wantootni ta'an" (cf. 1:1, 22:6)
   b. "yeroon isaa dhi'oodha" (cf. 1:3, 3:11, 22:10)
   c. "Arifadheen dhufaa" (cf. 2:5, 16, 22:7, 12, 20)
   d. "Akka hattuu ta'een dhufaa" (cf, 3:3, 16:15)

Isaan kun hundumtuu kan isaan dubbatan waa'ee akka tasaa dhufuu isaati (mata dure addaa 3:1 irrattiilaali). Ta'us, dubbifamni tokko tokkoo waa'ee turuu isaati ni dubbatuu (cf. 6:11, 10:6, 14:13). Kan biraan ciigoon, kan firdiitii fi guyyaan badhaasaa ga'uu isaati, "ta'eera" (cf, 16:17, 21:6) yookaan "sa'atichi ga'eera" (cf. 11:18, 20:12).

Jijjiramni kun akkaatee hiikaa adda baasuudhaan faayidaa irra oleera kallatti yeroo murtaa'eetiin cimsa itti laachuudhaan (jaarraa tokkooffaati, bara isaa hundumaa, yookaan baroota dhumaa). Kan ergamichaa kakuu dhugaa, tibba sahatti raawwii amma akka jalqabanii dha. Kadhatni kitimamtootaa dhaga'ameera! Mulatni dirqamatti hiikamuun kan irra jiraatuu dubbistoota jalqabaatiif ifa (kanJohn Birahin, Maatte. 24 raawwii ilaali)

**10:7**
**NASB** **"Dhoksaan Waaqayyoo ni raawwatama"**
**NKJV** **"Dhoksaan Waaqayyoo kan raawwatamee ni ta'a"**
**NRSV** **"Dhoksaan Waaqayyoo kan raawwatame ni ta'a"**
**TEV** **"Waaqayyoo karoora dhoksaa isaa ni raawwata"**
**NJB** **"Dhoksaan Waaqayyoo ni raawwatama"**

Jechi isaa hiika hedduu qabaata.

1. Phaawuloos isa yeroo hundumaa kan itti fayyadamuu karoora furuu bara baraa Waaqayyoo argisiisuudhaf, Yihudootas ta'ee ormoota mantii Kristoositti qabaatan (Efe. 2:11-3:13 mata duree addaa 4:1 irratti ilaali).
2. Mul'atni yeroo hundumaa kan inni argisiisuu dhoksaa dha, waa'ee qoqodamsa mul'atichaa (cf. 1:20, 17:5, 7).
3. 10:7 irratti inni kan inni argisiisuu karoora furuu bara baraa Waaqayyooti, Phaawuloos Roome 16:25-26 fi Efe. 2:11-3:13 irratti akka godhee.

Jechuun kan danda'aamuu Yohaannis jecha kanaa Daani'eel irraa akka fudhatee dha, keessumatti boqonnaa 2 (cf. 2:18, 19, 27, 28, 29, 30, 47). Akkas yoo ta;ee, inni kan inni argisiisuu dandeetti Waaqayyooti, gocha isaa ibsuudhaaf. Waaqayyo kan beekuu fi seenaa hundumas kan to'atuu dha.

## Mata duree addaa: Dhoksaa Wangeela keessatti

Dhoksaa jecha jedhu fakkeenya Yesus barsiisee ifa taasisuuf wangeelota sadana duraa keessatti fayiida irra ooleera Marqoos 4:11Matewoos 13:11Luuqaas 8:10

Phawloos Karoora fayyisuu kana waluma galatti ifa tasiisuuf jecha dhoksaa jedhu itti gargaarameera (1Qoro 14:1, Efes 6:19 , Qola. 4:3 1Ximo. 1:9 )

1. Kan Israa'el murasii isaani laphee jabaachuu isaani, ormonti akka itti dabalamaniif hiyamuu.

2. Kun ormonnii itti dahngalauu Yihudootni Yesusiin akkuma raajii sanaatti akka Kristoositti fudhachuudhaaf akka ogummaa ta’ee tajaajileera. (Roomee 11:25-32).
3. Wangeellichi ormoota hundumaaf akka beekamuu godhameera, isaaniis hundumtuu Kristoosiinii fi karaa Kristoos kan hordofaniidha (Roomee 16:25-27, Qolasi’aas 2:2).
4. Kan amantootaa qaama haara lama dhufaatti isaatti (I Qorontos 15:5-57, 1 Tessoollonqee 4:13-18).
5. Hundumtuu Kristoosiin ammatamuu isaa (Efesoon 1:8-11).
6. Ormootaa fi Yihudootni walii wajjin dhaaluu (Efeesoon 2:11-3:13).
7. Waldaan Yesus Kristoos firooma dhi’eenya kakuu ga’ilaatiin ibsamteeti (Efesoon 5:22-33).
8. Ormoonni saba kakuu isaa wajjin ammatamaniiru, akkasumas hafuurri Kristoos isaan keessa haa buluuf, kunnis Kristoosiin fakkaachuu bilchina akka horatan, kunnis ilma namaa kufee bifa Waaqayyoo deebisuuf (Uumama 6:5, 11-13, 8:21) Waaqayyon nama keessatti (Uumama 1:26-27, 5:1, 9:6, Qollasiaas 1:26-28).
9. Kan bara dhumaa mormituu Kristoos (2 Tessoolloonqee 2:1-11).
10. Waldaa ishee duri dhoksaa walii galaa 1 Ximootihos 3:16 irratti argama

▣ **“Raajoota”**.

## Mata dure addaa: Raajii Kakuu Moofaa

I. Seensa
   A. Ibsawwaan seensaa
      1. Hawwaasii amanan akkam godhanii mul’ata akka isaan hiikan walii galtee hin qabu. Dhugaan jiru garuu ejjennoo sir’ataa ta’e irratti barootaaf irratti kan hundeefaman yemmuu ta’u, inni kun garu miti.
      2. Sirritt kan ibsaman baayyeen mul’atni Kakuu Moofaa keessatti mul’atan sadarkaa qabu.
         a. Dursa aboo dhalootati dadarbu (premonarchial)
            (1) Abbaa mul’ataa jedhamanii namoota waaamaman
               (a) Abrahaam uumamaa 20:7
               (b) Musee- lakk 12:6-8, Keessa deebi 18”15,34:10
               (c) Aroon Ba’uu 7:1 (dubbii himaa Musee)
               (d) Maariyaamii Ba’uu 15:20
               (e) Meedaadii fi Eldaadi lakk. 11:24-30
               (f) Diiboora Abboota firdii 4:4
               (g) Maqaan kan hin ibsamne Abboota firdii 6:7-10
               (h) Saamu’eel 1 Samu’eel 3:20
            (2) Abba mul’ataaf akka ibsituwwan gareeti- Keessa deebii 13:1-5, 18”20-22
            (3) Gareewwan raajii yookaan walfakkaatan – 1 Samu’eel 10:5-13, 19:20, 1 Moototaa 20:35:41,22:6,10-13, 2 Mootota 2:3,7,4:1,38, 5:22,6:1, k.k.f
            (4) Masihii kan (kan dibame) abbaa mul’ataa jedhama Keessa deebi 18:15-18
         b. Kan hin barreefamne aboo dhalootati darbu (Moonrkisummaa) (isaaniis mootii agarsiisu)
            (1) Gaadii – 1 Samu’eel 22:5,2 Samu’eel 24:11 1ffa Qor 29:29
            (2) Naatan -2 Samu’eel 7:2, 1 Mototaa 1:2
            (3) Ahijaa -1 Mootota 11:29
            (4) Jeehu – 1 Mootota16:1,7,12
            (5) Maqaan isa kan hin ibsamne 1 Mootota18:14,13,20:13,22
            (6) Eliyaas - 1 Mootota 18, 2 Mootota 2
            (7) Milkiyaas - 1 Mootota22
            (8) Elsaa – 2Mootota2:8,13
         c. Raajii barreefama durii (isaanis Uumata yookaan moticha ibsu), Isaayasii hanga milkiiyaasiti (Dani’eel malee)

   B. Jechoota Macaafa Qulqulluu keessaa
      1. *Ro’eh* = “Raajii” 1 Samu’eel 9:9 kun kan inni caqasu Naabii hiika jedhu dha.

2. Rohii jecha waligalan "ilaaluu" kan jedhu irraadha namni kun yaada Waaqayyoo fi karaa Waaqayyoo kan hubate yemuu ta'u, dhimma tokko irratti yaada Waaqayyoo barruuf kan mariisisani dha.
3. *Hozeh* = "Raajii" 2 Samu'eel 24:11 innis hundee isaa irra Rohi waliin walfakkaata innis jecha yeroo hundaa itti hin fayyadamne "ilaaluu" dha. Hundeen keewwata kanaaa yeroo hundumaa faayidaa irra kan oluu raajii agarsiisuuf dha. (jechuunis "ilaalaa")
4. *Nabi'* = "Raajii" jechoota warra Akkaadiyaniif Naabuu wajjiin wal fakkaata "waamuu" fi naabaa namicha biyya Araba= " labsuu" kun Kakuu Moofaa keessatti raajii ibsuuf yeroo hundumaa kan beekamee dha. Innis si'a 300 ol hojii irra ooleera. Gaaleewwaan jecha sirrii ta'e hin beekamu haa ta'uu iyyuu malee "waamuu" yeroo ammaa kanati foya'aa ta'e argameera. Hubbannoon foyya'aa argamuun kan danda'amu. Yaahiwwee Museen walquunamtii Fari'oon wajjiin qabu karaa Aroon gochuu isaa karaa itti ibsamedha. (Ba'u 4:10-16,7"1, Keessa deebii 5:5) raajii jechuun karaa Waaqayyoo namatti kan dubbatudha. (Amoos 3:8, Ermiyaas 1:7-17,Hiziraa 3:4)
5. Jechoonni sadan hundumtuu garee raajootaan hojii irra olaaniiru 1 Seena Bara 29:29, Samu'eel, Rohii, Naataan, Naabiyii fi Gad – *Hozeh* irratidha.
6. Jechichi – "*ish ha - 'elohim"* "nama Waaqayyoo" jechuunis balla'aa kan ta'e ibsitu dha. Waaqayyooti kan dubbatu. Innis si'a76 Kakuu Moofaa keessatti hojii irra ooleera. "Raajii" miira jedhun.
7. "Raajii" kan jedhu jechijalqabni isaa Girikii dha innis kan inni dhufe (1) dursa – fuldura yookaan "fi" (2) Feem – "dubbachuu"dha.

II. Ibsa Raajii

A. "Raajii"afaan ingli irra caalaa Ibrootaatto hiika bal'aa ta'e qaba. Iyaasuu kaasee hanga macaafa Moototaa (Ruut) utuu hin dabalin kan jiran macaafonni seenaa, Yihudotaatti akka raajota warra duraatti beekamu, lammanuu Abrhaam (Uma. 20:7; Far. 105:5) fi Musee (Kes. 18:18) akka raajotaatti lakkaa'amu, (Mariyaam dabalatee Kes: 15:20). Kanaaf isa tilmaammii kan ta'e hiika ingli irraa of eeggadha.

B. "Raajummaan karaa seera qabeessa ta'een mul'achuu kan inni danda'u akka seenaa hubachuutti, innis hiika karaa kaayyoo kan waaqayyummaa ta'een, hirmaannaa kan waaqayyuummaa ta'een kan fudhatu" *Dictionary of the Bible*, jildii. 3, fuula 896.

C. Raajii, kan falaasaa ta'es beekaa barnoota hafuuraa kan ta'es miti. Garuu kakuu gidduu ta'ee sagalee Waaqayyoo gara saba isaatti kan fidan yeroo ta'an isa dhufuuf jirus agarsiisuudhaan isa ammaas areessuudhaaf " Raajii fi isa raajii dubbatu" kan jedhu *Encyclopedia Judaica* jildii. 13 fuula 1152 haala gaariitti kaa'a.

III. Kaayyoo raajii

A. Raajiin,Waaqayyo saba isaaf karaa ittiin himuudha. Haala amma keessa jiraniif geggeessummaan kan kennamuufiidha. Akkasumas jireenya keenya wantoonni biyya lafaa ta'annoo keessa akka galuuf abdii akka qabaataniifidha. Ergaan isaanii hundee isaa irraa kan gurmaa'eedha. Jechuunis ibsuuf, jajjabeessuuf, amantii uumuuf fi qalbii jijjiirrannaaf. Sababii kanaaf waaqayyo ni hubachiisa mataa isaatiifis ta'e karoora isaatiif. Isaanis saba waaqayyoo ni qabatu. Gara kakuu waaqayyootti amantii jabaa kanarratti dirqamee dabaluun kan ta'u ija yeroo hundumaa faayidaa irra oolu, filannoo dubbii hima Waaqayyoo ibsuudha. (Kees. 13:1-3; 18:20-22 kun gara dhumaatti kan fudhatamu Masihicha ibsuuf dha).

B. Yeoo hundaa raajiin bara isaa seena-qabeessa ykn humna waaqayyummaasaarraa fudhata. Kanaaf dhimma kana dhimma gara dhumaa godheetu ilaala. Seenaan kun seenaa ilaalcha yeroo dhumaa ta'e Isiraa'el keessatti kan adda ta'eedha. Kanaaf filannoon humna Waaqayyummaa fi abdiin kakuu yaadni isaa kan adda ta'eedha.

C. Muudama raajota waliin wal madaalsisuuf waan barbaade kan fakkaatu (Ermiyaas.18:18) fi luba beekamaa muudamaan aangoo qabachuun yaada Waaqayyoo akka beekumsaatti godhanii fudhachuudha. Urii fi tuumiin (uffata lubootaa) dubbi-hima Waaqayyo biraa kan inni fide gara sagaleetti kan godheedha. Muudamni raajotaa Milkiyaas booddee Isiraa'el keessatti kan raawwate fakkata. Innis turtii waggaa afurii booddee hanga cuuphaa Yohaannistti hin muudamne. Kennaan raajummaa bara Kakuu Haaraa Kakuu Moofaa wajjin akkamittiin akka walsimu kan mirkaneessu hin qabu. Raajota Kakuu Haaraa (Erg.11:27-28: 13:1; 14:29; 32:37; 15:32; 1Qor.12:10-28,29: Efesoon.4:11) mul'ata haaraa ykn

sagalee warra ibsan miti garuu haala kakuu Waaqayyoon fedha isaa kan dubbatan warra raajaniidha.

D. Raajiin amalli isaa kan goolabame ykn duraan dursamee kan beekame miti. Raajuun muudamuu isaa fi ergaa isaa karaa ittiin mirkaneessuudha. Garuu inni dirqama galmaa'uu kan qabu raajii Masichaarraa %2 kan hir'ateedha. %5 gadi kan inni mul'isu bara Kakuu Haaraa dha. %1 gadi gara fuuladuraatti haaluma ka'amaniindha. (Fee and Stuart, *How to Read the Bible For All Its Worth*, fuula 166)

E. Raajonni Waaqayyoon saba isaadhaaf bakka yommuu bu'an luboonni isaa immoo saba isaa Waaqayyoon duratti bakka bu'u. kun ibsa walii galaati. Addummaa kan qabaatanu ni jiraatu. Kan akka Inbaaqoom, kan gaaffii isaa Waaqayyoodhaaf dhiyeessu.

F. Raajorta hubachuu dhadhabuuf sababni keenya inni tokko kitaabni isaanii akkamiin akka gurmaa'an beekuu dhiisuu keenya dha. Seenaan tartiibaan kan ka'aman miti. Hiika kan qaban ni fakkaatu garuu yeroo hundumaa eenyu illee karaa inni eegu miti. Yeroo hundumaa ifaa kan ta'e seenaa amma tartiiba yeroo yeroo ykn hafuura wajjin ifa kan ta'e garuu hin qabu. Kitaabileen kun rakkisoota dha. (1) Altokkoon dubbisuuf (2) Mata duree issdhaan farrajuuf (3) Tokkoon tokkoon mul'ataa irratti giddu galeessa dhugaa isaanii ykn aboo isaanii mirkaneessuuf.

IV. Amala Raajii

A. Kakuu Moofaa keessatti "Mootii" fi "Raajii" yaadni ka'umsa isaanii guddachaa waan dhufe fakkaata. Isiraa'el durii keessatti gamtaan raajotaa jabaachaa dhufee ture. Isas kan geggeessaa ture warren akka Eliyaas, Elsaa kkfn geggeessitoota dhiibbaa uumaa turaniidha. Gaaf tokko "ijoollee raajotaa" yaadni jedhu faayidaa irra oola ture garee kana adda baasuuf (2 Moot. 2). Raajonni amala isaaniitiin kan isaan itti ramadaman bifa nama liqimsuuniidha. (1Sam.10:10-15; 19:18-24)

B. Haa ta'u iyyuu malee yeroon kun gara raajota dhufaniitti jijjiirameera. Raajonni turan kun (warra dhugaas ta'e warra sobaa) mootii biratti kan beekaman, mana mootii jiraachaa kan turan (Gaad, Naataan) darbees bilisa kan ta'an turan. Al tokko tokkos hawaasa Isiraa'elii wajjin wal hin argan turan (Amoos) Isaanis dhiiraa fi dubara turan (2Moot. 22:14)

C. Raajiin yeroo hundaa buusii kan tilmaamaa tureedha. Deebii namootaa irratti kan hirkate hojiin raajotaa yeroo hunda kan inni ture. Kan keessa hin deebine karoora guutuu isa kan Waaqayyoo uumama hundaafkan ture yommuu ta'u. Innis deebiin namootaa lafa irra hin harkifatu. Hojiin raajotaa yeroo hunda xiyyeeffannoo raawwannaa raajotaa gara baha bara durii biratti adda kan ta'e ture. Sirrumman raajii fi kakuun xiyyeeffannoo qabu ergaan raajichaa kun kan agarsiisu raajonni dursa gamtaa irratti xiyyeeffatu. Isaan yeroo hundaa cuunfaatti otuu hin ta'in uummata kan agarsiisaniidha.

D. Raajiin baay'een sagaleen (afaaniin kan dhiyaatuudha). Gara dhumaa irratti dha kan inni jabaate, qabatamaatti duraa duuba seenaa irratti ykn barreessitoota warren gara bahaa keessatti ture. Amma garuu hin argannu. Innis barreeffamaan waan ta'eef akka dubbisaa barreeffama ariitiin kan tumame hin qabu. Kunis kitaabicha tooraan dubbisuuf rakkisaa godha.

E. Raajonni ergaa isaanii dabarsuuf mala adda addaa fayyadamu:

1. Agarsiisa mana murtii- Waaqayyo saba isaa gara mana murtiitti fudhata, yeroo baay'ee gargar bahuu irratti, innis hewaan haadha manaa isaa hin fudhanne jechuun (Isiraa'el) amantuu taatee waan hin arganmeef. (Hoose'aa 4:Milk.6)
2. Kanneen nama boossisan- adda kan ta'e ergaan akkasii safartuu kan ta'e amalli isaa "wayyoo" bif aadda ta'e kanaaf (Isaay. 5; Imbaaqoom.2).
3. Kakuun abbaa kan inni ittiin ifuamalli kakuu jabina kakuu kennameerraaf akkasumas bu'aa inni fidu fudhachuu fi diduu yeroo itti aanutti ba'a. (Keessa deebi.27:28)

V. Kakuu hiikuuf qajeelfamoota gargaaran

A. Raajii isa duraa (qopheessaa) yaada barbaaduun tokkoon tokkoon raajii qabiinsa barreeffamaa galmeessuun. Innis yeroo hundumaa kan inni dhufu Isiraa'el kakuu muse biraan dhufe cabsuu isati.

B. Raajii hundumaa dubbistee hiikuu, kaffaltii isaa qofa miti isa akka qabatanis ramaduu isaas raajii naannoo waliin akkamitti akka walsimu ilaali. Kitaaba isa guute baafata isaabaafachuuf yaala.

C. Hiika guutuu keeyyatichaa illalaa deemi. Barreeffamicha keessa fakkenyota afaanichaanbarreeffaman kaa'i.

D. Seenaa yeroo fi keeyyata walcinaan agarsiistuu gochotaa fakkeenyotaan ibsi. Seenaan bara durii kun barreeffamoota kanneen gara bahaa warren ammayyaa warren dhihaa akka hin taane yaadadhu

E. Raajota seeraan kaa'i
   1. Isaan yeroo barreessichaa adda baasanii kan ilaalaniidhaa?
   2. Isaan seenaa Isiraa'el keessatti gara dhumaa irratti ta'eeraa?
   3. Isaan dalagaa isa itti aanuudhaa?
   4. Isaan kanaan kan walqabate xumuraa fi gara fuulduraatti xumura ni qabaatuu
   5. Geggeessaa gaaffii kootiif akka ta'uuf barreessitoota Kitaaba Qulqulluu ilaali. Barreessitoota warren amma dhiiste.

F. Xiyyeeffannoo addaa
   1. Haalli raajichaa deebii haala kan barbaachisuudhaa?
   2. Raajichi eenyuuf akka ta'e sirriitti barreeffameeraa? Maaliif?
   3. Karaa lamaanuu karaa macaafa qulqulluu fi karaa seena-qabeessa ta'een raawwannaa dacha ta'een carraa jiraate qabaa?
   4. Kitaabileen Kakuuwwan haaraa liqifamuudhaan ilma Waaqayyo Kakuu Moofaa keessatti bakka baay'eetti arguun danda'ameera. Innis nuufis ifa kan nuuf ta'e isaanis ramaddiitiin ykn haala galiinsa jechaatiin kan fayyadaman fakkaata. Nuti hamma hin liqimfamnetti haala galiinsa jechootaa kana isaaniif yoo dhiisne kan wayyuudha.

VI. Kitaaboota nu gargaaran


A. *A Guide to Biblical Prophecy* by Carl E. Amending and W. Ward Basque
B. *How to Read the Bible for All Its Worth* by Gordon Fee and Douglas Stuart
C. *My Servants the Prophets* by Edward J. Young
D. *Plowshares and Pruning Hooks: Rethinking the Language of Biblical Prophecy and Apocalyptic*
E. E. *New International Dictionary of Old Testament Theology and Exegesis,* vol. 4, pp. 1067-1078


## Mul'ata:10:8-11

**8Yemmuus sagaleen inni duraan Waaqa irraa anatti dubbachuu dhaga'ee sun, deebise anatti dubbate, "dhaqiiti macaafa maaramuu isa banamaa, ergama isa miila tokkoon galaana irra, miila tokkoon lafa gogaa irra dhaabate sana harkaa fudhadhu!" naan jedhe. 9Ani yemmuus gara ergamichaa dhaqeen, macaafa maraamu isa xinnaa sana anaaf akka kennu nan gaaffadhe. Inni immoo, "macaaficha fudhadhu, nyaadhu! Inni garaa kee hadhaa'aa ni godha, afaan kee keessatti immoo minyaa'aa akka dammaa ni ta'a" naan jedhe. 10 Kanaaf ani macaafa maramu isa xinnaa sana harka ergamichaa keessaa fudhee nan nyaadhe; inni afaan koo keessatti akka dammaa milnyaa'aa ture; ergaan isa nyaadhee boodee garuu garaan koo hadha'aa ta'e. 11Akkasumas, "ati waa'ee namoota baay'ee, saba baay'ee, afaan baay'ee, motoota baay'ee, raajii dubbachuun si irra jira" jedhame anatti himame.**

**10:8 "Samii irraa sagaleen dhaga'ee irra deebiin yeroo natty dubbatuun dhaga'e"** tilmaamni baay'een jiru, waa'ee eenyummaa isa dubbatu. Tokko tokkoo kan isaan cimsa itti laatan Waaqayyo, yookaan Kristoos, yookaan hafuura qulquulluu, yookaan ergamaa jabaa keessaa tokko akka ta'ee dha.

Lakkoofsa 11 irratti sagaleen kan baay'eeti, kan inni argisiisuus Waaqa sadan tokkummaa kan ta'ee Waaqa ta'a. kan lakkoofsa baay'ee kakuu moofaatti hafuuraaf faayidaa irra kan inni ooluu (Elohim kan jedhuu maqaa fi "nutty" kan jedhuu Uma. 1:26, 3:22, 7:11, Isa 6:8) irra kan jiruu karaa heedduudhaan ibsameera.

1. Bifa seer-lugaatiin "baay'ina simbootiin" jedhama, kunis baay'inni yaad-rimee isaa yookaan jecha isaa jabeessa
2. Yaahiwween akkuma jiruttii dha kan inni dubbatu wal ga'ii ergamaatiif (1Moto. 22:19, Iyob. 1:6, 2:1, Ermi. 23:18, Dani. 7:10)
3. Sadan tokkummaa isaatiin tokko kan ta'e Waaqni yookaan yaad-rimeen sadan tokkummaa bifa ka'umsaatiin (Faru. 110:1, Zak. 2:8, 17:10) mata duree addaa: maqaa hafuuraa 1:8 irratti ilaali.

**10:9 " 'Fudhadhuu nyaadhu'"** kun kan Hiz. 2:8-3:14 yookaan Ermi. 15:16-17 kan eeruu dha. Bakka buusii kunni fakkeenya godhee ergaa Waaqayyoo ergama dubbachuuti. Kitaabni xiqqoon fakkeenyummaan ishee ergaa Waaqayyoo innis amantootaaf wabii kan qabatee dha (Mar. Faru. 19:10-11, 119:103) akkasumas firdii warra hin

amannee (hadha'aa). Maramaan kun Yesuus boqonnaa 6 irratti akka isa bane sana miti. Kun kan inni argisiisuu ergaa ergamaa jabaa irraa ta'ee dha (cf. lakk. 7-11).

**10:11 "Isaaniis naan jedhani"** ergaamaan jabaan yookaan sadan tokkummaa isaatiin tokko kan ta'ee Waaqni Yohaannisiin akka galmeessaa raajiiti fi dubbataatti jabeessa.

▣ **"Firoota baay'eedhaa fi ormootaanis qooqawwaninis motootaniis**" jechi kun faayidaa irra kan inni ooluu lamanuu fi kan hin amaniin (cf.11:9, 13:7-8, 14:6, 17:15) fi amantootni (jechuun, guyyaa firdii dura cf. 7:9, 15:4 fi guyyaa firdii booda cf. 21:24, 26, 22:2). Lakkoofsi kun wangeela lallabuu argisiisa (cf. 10:11, 14:6) ormoota hundumaaf (Mat. 24:14, Mari. 13:10) yookaan dabalataan kan yeroo firdii dheekamsa Waaqayyoo raajaa.

## MUL'ATA 11

## MUL'ATA :11:1-6

**1Uleen akka ulee safara tokkoo anaaf in kenname; yemmuus tokko anatti dubbate, "ka'ii, mana qulqullummaa Waaqayyoo iddoo aarsichaas safaritti namoota achitti sagadanis lakkaa'i! 2Garuu oobdi mana qulqullummaa safaruu dhiisi! Inni warra saba Waaqayyoo hin ta'innitti kennameera; isaan immoo ji'a afurtamii lammaffaaf mandara qulqullaa'aa sana dhidhituuf jiru. 3Dhuga baatootni koo lamaan uffata gaddaa uffatanii, guyyoota kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaataman sana raajii akka dubbataniif ani karaa nan kennaaf" jedhe. 4Dhuga baatoonni lamaan immoo, muka ejersaa lamaanii fi baattu ibsaa lama Waaqayyo gooftaan biyya lafaa dura dhaabbatanii dha. 5Eenyu illee isa miidhuu yoo barbaade, ibidda afaan isaanii keessa ba'ee dinoota isaanii ni fixa; eenyu illee isaan miidhuu yoo barbaadees akkasitti ajjeefamuun irra jira.. 6Isaan kun lamaan bara raajii dubbatan kana Waaqa keessaa bokkaan akka hin roobne cufuudhaaf aboo qabu; bishaanaoota dhiigatti geddaruudhaaf, yeroo barbaadanittis ,dha'icha waan jedhamuu hundumaan biyya lafaa rukkutuudhaaf aboo qabu.**

**11:1 "Safartuu ulee fakkaatuu"** kutawwan darban Yohaannisiin kan ilaalatuu ergaan hojii hojjetantu ture. Ha ta'uu malakata isa torbaffaa irratti Yohaannis gocha isaa keessa seena.

"Ulee safartuu" jechi jedhuu (kalamos, bifa kanaan faayidaa irra kan oolee as qofatti) kan inni argisiisuu danda'aus kan kakuu moofaa shomboqoo bishaan cinaati, meeshaa safartuu dheerinaa kan ture (mata duree addaa: tola 19:11 irratti ilaali). Isaanis faana dheerina sadeetti fi digdama giddu qabuu turan (Hiz, 40:5-42:20).

▣ **"Ka'ii safari"** safaruun mallattoo kan inni qabachaa turee (1)guddina abdiitii fi eegumsa (Ermi. 31:38-40, Mul. 21:15). Kunis kan Hizqeel yeroo raawwii mana qulqullummaa kan argisiisu ta'a (cf. 40-48) yookaan kan Zakkaariyas Yerusaalm ishee haara (cf. 1:16, 2:1-13), yookaan (2) firdii (2 Sam. 8:2, 2Moto 21:13, Isaa. 28:17, Faaru Ermi. 2:8). Asitti, boqonnaa 7 irratti akkuma mallattoo jiruu, mallattoo Waaqayyoo amantootaaf eegumsa inni qabuuti. Yeroon turmaataa kun kan boqonnaa 7 wajjin wal cina kan ta'ee egaa manni qulqullummichaa guutumma saba Waaqayyooti (amanaan Yihudootaa fi amantootni ormootaa). Egaa boqonnaan kun 12 wajjin wal cina.

▣ **"Mana qulqullummaa Waaqayyootii fi bakka aarsaa isaa achitis kan sagadan"** eenyummaa mana qulqullumichaa kan murteessuu hiika inni tokko jedhee dursa tilmaamaati.

1. Fakkennoo Yohaannis Hiz. 40-48 irraa fudhateera jennee yoo tilmaamne, egaa raawwiin bara raawwataa akkuma jirutti kun mana qulqullumaati, Yerusaalemiin kan jir (2Tas. 2:4).
2. Ta'uus, Zakkaariyas 2 jennee waabii isaa yoo yaadne, egaa bak-buusii isaa magaalaa Waaqayyooti, Yerusaaleem ishee haara.
3. Mana qulqullummaa isa Waaqa irraa yoo yaadnee (cf, 7:15, 11:19, 15:58, Ibi. 9:23) egaa 7:9 saba baayina qabuu (waldaa kiristaanaaa, fi boqonnaa 12 irratti dubartiin jirtuu) xiyyaafannoo ta'uu danda'u (21:15-16).

Yohaannis achitti namoota waaqessan akka safaruu dubbachuu isaa hubachuun ajaa'ibsiisaa dha. Kun jecha hin baratamini dha. Fakkeennoon kun mana irraa wanta caalee argisiisa. Kun bak-buusaa namoota amantii warra hin amaniin irraa mallattoo adda baasuu kan ta'uu, dheekamsa Waaqayyoo fudhachuudhaan. Kanaaf, inni adda amantootaa irratti kan ta'uu mallattoo Waaqayyootiin wal cina (cf. 7:3-4).

**11 :2 "Mana qulqullumichaati ala kan jiru oobdi"** kun ala kan jiruu oobdi yaad-rimeen isaa kan inni argisisuu haala seenaatiin bakka ormootaati, mana qulqullummaa Heroodis. Waabiin kakuu moofaa heedduun jiru, waa'ee yaada Yerusaaleemii fi ormootaan manni qulqullummaa irra ejjetamuu isaa (Faru. 79:1-7, Isa. 63:18, Dani. 8:13, Zakka. 12:3, saptuwajeentitti). Yesuus kallattidhaan waan waabeefate fakkaata Daani. 8:13, Luqaas. 21:24 irratti.

▣ **"Ormoota"** 2:26 fi 10:11 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Ji'a afurtamii lama"** arman gadii kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: JI'OOTA AFURTAMII LAMA

Ji'a afurtamii lama lakoofsi jedhuu amala haal raajiitiin kan inni ta'uu qabuu kan yeroo ari'atamaati. Bakki ala jiru irra ejjetamuu, sabni Waaqayyoo seenaadhaan yeroo adda addaati warra hin amaniin jala fakkeenya ta'uuti Antipaas Apifanaas, warri Roomaa bara haraaraa 70tti , fi bara raawwataa mormituu Kristoos.

Ji'a afurtamii lama yookaan kan isaa qoftii, macaafa qulqulluu keessatti yeroo heedduu eerameera. Ka'umsi isaa macaafa Daani'eel fakkaata.

1. Daani'eel 7:25, 12:7 "bara, baroota, walakkaa baroota" yookaan guyyoota 1277 ("yeroo" wal qixa waggaa godhee timaamuudhaan) eerera.
2. Daani'eel 8:14 2300 galgalaa fi ganamaa eerameera
3. Daani'eel 12:11 1290 guyyoonni eeramaniiru
4. Daani'eel 12:12 1335 guyyoonni eeramaniiru. Gaalee wal fakkaataa mulata 12:6 (1260 guyyoota) fi 13:5 (ji'oota 42) eerameera.

Isaan kun hundumtuu tilmaama keessa yeroo seenan, garaagarummaa isaaniif jecha kan inni hawwu kan fakkeennoo uumama lakkoofsichaati,isaanBaatii afurtamii lamatti itti dhi'eenya argisiisuu kan barbaaduu kan yeroo ari'atamaa bak-buusaa lakkoofsaati. Sadii fi walakkaan walakkaa torbaa hanga ta'eeti, inni kan fakkaatuu yeroo rakkinaa xumuramee kan argisiisuu dha, akka gabaabatuu kan godhame (Mat. 24:22, Mari 13:20, Luqaas, 21:24). Rakkinni jaalala Waaqayyotiin kan murtaa'eedha, firdiin isaa akka ta'ee hundumaa.

▣ **"Magalaatti qulqullooftuu"** kun argisiisuu kan inni danda'uu Yeruusaaleemii dha (Isa. 52:1, Mat .27:53). Ta'us, mul'ata 3:12 irratti kan jiru mana qulqullummaa hiika isaa hordoofee , kan amantoota kakuu haaraa kan eeruu dha, tooftaa wal fakkaataan gaalee kanaa hordoofuun irra jiraata. Mula'ata keessatti boqonnaa jabaan inni kan inni argisiisuu saba Waaqayyoo kakuu haarati (cf. 20:9, 21:2, 10, 22:19).

Yohaannis fakkiduwwan kakuu moofaa irraa fidee kakuu haaraadhaaf saba Waaqayyootiif faayidaa irra oolcheera. Waldaan kiristaanaa kan ijaaramtee Yihudoota amanani fi ormoota amanan irraati. Mul'ata irratti sanyi Yihudootaas ta'ee ormoota irratis bifa tokkoon illee cimsa hin qabu. Kanaa achii Yihudiinis Girikiinis hin jiru (1Qor. 12:13, Gala 3:28, Qola. 3:11).

**11:3 "Dhuga-baatoota koo lamaaniif aboon laadha"** kun kan inni argisiisuu kan inni fakkaatuus dubbii Waaqayyoo abbaati sababni isaa Yesuus lakkoofsa 8 irratti waan eerameef (ammam illee barreefamni harkaa Girikii maqaadhaal kana irratti rakkoo yoo qabaatee illee , innis p47 fi ℵ irratti waan hir'ateef).

▣ **"Dhuga batoota koo lamaan"** waa'ee e enyummaa lallabdoota jaboo kana yaad-rimee heedduun jiru:

1. Kan eeruu (cf. lak.4) Zakkaa. 4:3, 11, 14. Kun irra guddeessa kan argisiisuu sanyiin Daawiti deebi'uu isaati, Zarubaabeel, fi sanyi luba isa guddichaa deebbi'uu dha, Iyaasuu, isaanis lamanuu geggeessaa hafuuraa turan (lamnuu muka ejersaa) mana hidhaa Bbiloon deebi'uu kan geggeesan (jechuun, saba Waaqayyoo deebi'e) .
2. Baattuu ibsaa laman (cf. 1:20) kan isaan argisiisanis waldaa kiristaanaa ishee amanmtuu laman, Sibarnes, 2:8-11 fi Filidilfiyaa 3:7-13

3. Dhuga-baatooti lamaan kan isaan argisiisani mana murtiitti dhuga baatii godhamuu dha (Seera lak. 35:30, Keess deebii. 17:6, 19:15).
4. Ibsi dhuga-baatii isaan kana lamaanii kan inni argisiiuu Ermiyaas (samii kan cufee lak. 6 1Mot.17:1, 18:1, Luqaas 4:25, Yaaqoob. 5:17 fi abidda buusuu, cf. 1Moto. 18:24, 38, 2Moto. 1:10, 12) fi Musee (bishaanicha gara dhiigaatti kan jijjiree Lkk. 6 Bau. 7:17-19). Isaan kun lamaan gaara jijjiramuu irratti Yesuus wajjin mul'ataniiru (Mat. 17:4).
5. Macaafa Apokilaptikii kakuu 1Heenook 90:31 fi abboota mana amantaa laman, Turtuliyaa fi Hipoolites akka cimsa itti laatanitti isaan kakuu moofaa irraa namoota lamaa dha, du'aa uumamaa kan hin duunee, Heenook (Uma. 5:21-24,) Eliyaas (2 Mot. 2:11).
6. NJB yaadannoo miila jalaa cimsa kan laatuu, inni kan eeruu Pheexiroosi fi Phaawuloosii dha, lamanuu Roomeetti kitimamaniiru, bittaa Neerootiin (fuula 435).

Ani dhuunfaa kootti kanan ilaaluuakka fakkeenya dhuga-baatii guutummaa saba Waaqayyootti, mallattoowwan torbanuu caasefama wal cinaa irraa kan ka'ee fi turmaata yeroo fi malakata torbanuu turmaata yeroo irraa kan ka'e. kanaaf, lamanuu 144,000 (amantootni Yihudootaa) fi obboloonni lakkaa'amuu hin dandeenye (amantootni ormootaa), akkasumas dhuga-baatootni lamaan, waldaa kiristaanaa argiisiisu.

▣ **"Uffata gadaa uffatnii"** kun ta'uu kan danda'uu inni tokkoo (1) kan gaddaatii fi mallattoo qalbi jijjiranaati (Uuma. 37:34, 2ffaa Saamu. 3:31) yookaan (2)kan baratamee wayyaa raajii (2Mot. 1:8. Isaa 20:2, Zak. 13:4).

▣ **"Guyyaa kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaatama raaji dubbachuuf"** tokkoon tokkoon guyyaa sodoma kan qabuu ji'aa afurtami lamaa kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaatama guyyootaa wajjin wal qixa. Wangeela kan hin amanne ormooni ari'atama godhamuun ni lallabama (Mat. 24:8-14, 21-22). Bak-buusii lakkoofsichaa kan inni dhufuu Dani. 7:25, 12:7 yeroo ta'uu mul'ataan (cf. 12:6, 13:5) irra deddeebi'ee faayida irra ooleera.

**11:4 "Muka ejersaa laman"** kun kan eeruu Zerubaabeliif mana hidhaati kan deebi'ee sanyii daawitii fi Iyyaassuu, mana hidhaa kan deebi'ee sanyii Aaroon (Zak. 4:3, 11, 14). Kun tarii kan inni argisiisuu wangeelaa kan dhugaa ba'uu kan bara dhumaa kan bakka bu'uu mooticha Masihii fi lubicha Masihii cimsa (Yesus akka mootii fi lubaa, Faru. 110, Ibi. 1:3). Yaada hafuuraan liqimfamuun kun lallabdoonni ifa Waaqayyoo fidu (Zakka. 4) biyya lafaa fincilaadhaaf (Israa'el fincilaan amma sanyii namaa isa fincilaa ta'eera, Isaa 6:9:11, 48:8-13, Ermi. 5:21-29, Hiz. 12:2,).

**11:5 "Eenyu iyyuu miidhuu yoo barbaadee… kam iyyuu miidhuu yoo jaallates"** isaan kun lamaan fayyisaa ramaddii himoota haalaati, kan yaadamuus miidhuu kan barbaadan akka jiranii dha, hata'u malee isaan hafuuraan ni eegamu, ergama isaanii amma raawwaaniiti.

▣ **"Abbidis afaan isaanii keessaa ni ba'aa dinoota isaanis ni nyaata"** humni afaan isaani innis kan isaan labsan human ergaa akka ta'ee hubadhu. Mul'ataaf afaanii meeshaa dha, arabiis billadha (cf. 9:17, 19:15, Ibi. 4:12).

**11:6** isaan gochi kakuu moofaa kan Eliyaas (1Moto. 17:1) fi kan Musee (Bau. 7:17-19) gocha nama yaadachiisu.

## Mul'ata 11:7-10

**7Yemmuu isaan dhuga ba'uu isaanii raawwatani, bineensichi iddoo lafa jalaa sana keessaa ba'ee, lola isaanitti kaasuuf, isaan mo'uuf, isaan ajjeessufis jira. 8Reeffi isaanis mandaricha guddicha isa gooftaan isaanii duraan itti fannifamee keessa karaa irratti argamu jira; mandarri sunis ija hafuuraatiin yemmuu ilaalamuu "Sodoom yookiis Gibxii" jedhamee ni waamama.9Nama hundumaa keessa, gosa hundumaa keessa, afaan hundumaa keessa, saba hundumaa keessa, warri dhufan, guyyaa sadii fi walakkaadhaa fi reeffa isaanii lafatti ni ilaalu malee hin hawalchisan. 10 Warri biyya lafaa irra jiraatan kanatti ni gammadu; kun isaanitti ni tola; raajoonni warra biyya lafaa irra jiraatan dhiphisan kun waan du'aniifis, namoonni gammadanii kennaa waliif ni ergu**

**11:7 "Bineensa boola gadifagoo keessaa ba'uu"** kun kan Daani'eel 7 eeruu kan ta'ee irraa, egaa bineensichi Daani'eel 7 irraa kan eeraman fakkiduun bineensoota wal makoo afuuriti, kan inni dhaabbatuufis bara ga'uumsaa fi bara dhumaa mormituu Kristoos (2 Tas.2:3).

“Boola gadi fagoo” mana seexanaatii (cf. 9:1, 20:1). Bineensi kun yaad-rimeen boqonnaa 13 fi 17 irratti dabalateera.

▣ **“Isaanii wajjin lola adeemsiisa, isaan mo’atas, isaan ajjeesas**” kun kan Daani. 7:21 kan eeruu dha, innis baayinaan guutuumaatti Mul’ata 13 irratti ibsameera. Asitti, gaalici kan inni argisiisuu dhuga-baatootni lamanuu lakkoofsa baay’ee kan qabuu sabni fakkeenyummaa ta’uu isaaniti (cf. 13:7 jechuun, saba Waaqayyoo). Isaan rakkinaa fi du’a irraa hin eegaman.

**11:8 “Reefii isaanis bakkee irra ni ciisa”** kun qaama du’an salphina kan argisiisuu karaa ittiin tuffii argisiisanii dha (cf. lak.9, kes. 28:26, Faru. 79:2, Ermi. 7:33, 8:2, 16:4, 19:7, 34:20). Ta’us, Waaqayyo qaama isaanii mul’atuu humna du’aa ka’uutiin itti fayyadameera, ibsa humna isaatii fi mirkaneeffannaa ergaa isaaniitiif.

▣ **“Magaalatti guddoo”** kun ibsa Yerusaaleem fakkaata, ta’us, qooqi fakkiiduu kan inni argisiisuu mootummaa lafaatii fi mootummaa Waaqa gidduu kan jiru lola hafuuraati. Sababni koo isa kana:

1. “Magaalatti guddoo” gaaleen jedhuu faayidaa irra kan oolee Baabilonii fi yookaan Roomiif (cf. 16:19, 17:18, 18:10, 16, 18, 19, 21).
2. Ammam illee Yeruusaaleem Hizqel 16:46-49 fi Isa. 1:9-10 irratti, Sodoom jedhamtee yoo waamamtees, Gibxii jedhamtee raawwatee hin waamamne, Sodomii fi Gibxiin fakkiiduu cubbuu fi garbummaati.
3. “Gooftaanis achitti kan fannifamee” Yerusaaleemiin kan argisiisuu fakkaata, ha ta’uu malee Waaqni mormituu kan ta’aan mootummaa biyya lafaa kanaa karaa ittiin ibsu ta’uu danda’a.
4. “Obbolloota irraa fi gosoota irraa qooqa irraa ormoota irraa” lak.9 irratti kan inni argisiisuu
   a. Addunyaa guutuun bakka inni itti argamuu, innis Yeruusaalem caalaa Roomiif kan wali galuu
   b. “Magaalaa” mucaa namaa fincilaadhaaf fakkiiduu hoji irra oolee dha (Uma. 4:17, 10:8-10)
5. “Lafa irra kan jiraatan isa irratti gammaduu gammachuudhaanis ni jiraatu” lakk.10 kan inni argiisiisuu ergaan dhuga baatii jarreen lamaan kanaa Yihudoota qofaaf miti, addunyaa mara irra kan jiran kan hin amannee hundumaaf malee.

Kunis kan inni ibsuu mootummaa biyya lafaa kanaaf mootummaa Masihii gidduttii lola itti fufeenya qabuu dha (cf. 11:15), keessumatti kan akka Dani.2 fi Faru. 2.

**11:9 “Obbolloota irraa gosoota irraa qooqa irraa ormoota irraa”** 10:11 irratti yaadannoo jiruu ilaali.

▣ **“Guuyyaa sadii fi walakaa”** lakkoofsi 9 yeroo lakkoofsa 11 wajjin wal makuu lakkosa 7 wajjin wal qixa ta’a, innis mulata irratti baay’ee irra deddeebi’amee faayidaa irra kan oolee dha. Tibbi kun sahatti Waaqayyoo guutuu dha.

**11:9 “Ni gammaduu gammachuudhaanis ni jiraatuu wali walii isaanitiif kennaa kennuu”** warri tokko tokkoo akkaata isaan itti ilaalanii akka Turiimitti (akka hafeeraa hayyaana Yihudootaatii dha) (Asteer. 9:19, 22). Innis baay’ee kan hin fakkaatuu Yohaannis 16:20 wajjini dha (“addunyaan ni gammada”). Kun addunyaan hin amannee gammachuu human ergaa dhuga-batootaa lamaniitiin argisiisa, warri hin amanne garuu qalbi hin jijjiratan (cf. 9:20-21, 16:9, 11).

## MUL'ATA 11:11-13

**11Guyyaa sadii fi walakkaa boodddee immoo hafuura jireenya kennu Waaqayyo biraa dhufee raajoota du’an sanatti gale. Isaanis ka’anii dhaabatan; warri isaan argan hundinuu guddaa ni sodaatan. 12Yemmuus raajoonni lamaan sun waaqa keessaa sagalee guddaa, “as ol kottaa!” jedhe isaan waamu tokko ni dhaga’ame. Isaan duumessa keessa gara waaqatti ol ni ba’an; dinoonni isaanis kan ni argan. 13 yeroo sanattis socho’aa lafaa guddaatu ta’e; harka kudhan keessaa harkii tokko mandarichaa ni jijjige. Namoonni beekamoon kumni torba socho’aa lafa kanaan ajjeefamani, warri hafan immoo sodaatanii Waaqayyo gooftaa Waaqaf hoqubaa dhi’eessan.**

**11:11 “Guyyaa sadii fi walakkaanis**” kun Daani’eel irraa kan waabefamatamee dha, innis fakkeenya yeroo ari’atamaa sana kan ta’ee dha. 11:9 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **“Waaqayyo biraa kan bahee hafuurri jireenyaa itti gale”** kun Hizqeel 37 irraa kan waabeefatamee dha, dachaa lafee gogaa. Kunis kan jecha Ibirootaa “ruach” kan akkanaati, hiiki isaas hafuura baafachuu, hafuura baafatee fi hafuura (akka jecha Girikiiti pneuma).

## Mata duree addaa: Hafuura Macaafa Qulqulluu keessatti

I. Jecha Girikii
   A. *Pneō*, hafuufuu
   B. *Pnoê* qilleensa, hafuura
   C. *Pneuma* , hafuura, qilleensa
   D. *pneumatik*os, hafuuraan fudhatamuu
   E. *pneumatikōs*, , kan hafuuraa

II. Falaasama Girikii bu’uura taasisuun (*pneuma*)
   A. Aristotili jechicha kan fayyadamee akka humna jireenyaati, innis dhaloota jalqabee mataa isaa amma bitutti ijaaraa kan deemee
   B. Sitoohikooni jechicha kan fayyadamanii *psuchê*, (lubbuu) wajjin wal fakkaataa dha, *nous*, (sammuu) dabalate, qaama miiraa shananii fi yaada namaa wajjin kan wal qabate.
   C. Yaada warra Girikii, jechichi gocha Waaqayyummaa wajjin wal qixa ta’eera (jechuun, hafuuroota waamtu, xonqaa’ii, tolchituu, moortuu,….)

III. Kakuu Moofaa (*ruah*)
   A. Gochawwaan Waaqa Yihudootaa (jechuun, hafuura qulqulluu, Kakuu Moofaatti yeroo sagaltama fayyadama irra ooleera)
      1. Bifa fudhatama qabuun Uumama 1:2
      2. Bifa alta’aadhaan 1 Saamu 16:14-16, 23, 1 Mooto 22:21-22, Isaay 29:10
   B. Waaqayyo jireenyi inni kennee nama keessatti kan hojjetuu (jechuun, hafuura Waaqayyoo Uumama 2:7)
   C. Saptuuwaajeentii *ruah* kan jedhu *pneuma* irratti in hiika si’a 100 LXX irratti (torbaataman) fayyadama irra ooleera.
   D. Barreefamni barsiisootaa warra boodaa raajii raawwii barreefamaa fi maraa garbaa du’aa, isaanis kan Zoriyaastiriyaaniziimi dhiibbaan kan irra jiru, *pneuma* fayyadama irra kan oolee ergamaadhaa fi seexaanaaf.

IV. Kakuu Haaraan (*pneuma*)
   A. Argama Waaqayyoo addaa, humna, fi kennuu isaa
   B. Hafuura qulqulluu hojii waldaa kiristaanaa Waaqayyoo wajjin wal qabata
      1. Raajii
      2. Dinqii
      3. Wangeela ifatti labsuu
      4. Ogummaa (jechuun, wangeela)
      5. Gammachuu
      6. Barri haaraan kan inni fiduu
      7. Dhaloota lama (jechuun, kadhachuu fi buluu)
      8. Kristosin fakkaachuu
      9. Kan tajaajilaa ayyanoota adda addaa
      10. Amantootaaf kadhachuu

      Hafuurri qulqulluun fedha ijoollee namaa damaqsa, Waaqayyoodhaa wajjin tokkummaan jiruu, kunnis isaan kan itti uumamani. Tokkummaan kun in danda’ama, sababii isaa Yesus irraa, Waaqayyoo Masihii hojii qaama isaa irraan kan ka’e. Damaqiinsi hafuuraa haaraan gara jireenya Kristosiin fakkaachuuti, tajaajila fi amanachuuti geggeessa.
   C. Caalatti kan beekamuu akka hafuuraatti hafuura qulqulluu itti fufee jiru gara tokkoon, fi mucaa namaa akka fooniitti uumama biyya lafaa kana, garuu immoo gara tokkoon immoo fakkaatti Waaqayyoo kan ta’ee uumama hafuuraati.
   D. Phaawulos barreessaa Kakuu Haaraati, innis kan hafuura Qulqulluu/hafuura xin-waaqummaa tiin kan ijaaramee dha.
      1. Phaawulos hafuura fayyadama foon faalleessuudhaaf (jechuun, uumama cubbuu)

2. Phaawulos hafuura gargaarama kan foonummaa mormuudhaaf
3. Phaawulos hafuura qulqulluu/hafuura gargaarama yaada namootaa, beekumsaa, fi argamuu mormuudhaaf

E. I Qorontos irraa fakkeenyoota muraasa
1. Hafuura qulqulluu 12:3
2. Humna Waaqayyoof ogummaa isaa kan ibsuu karaa hafuura qulqulluutiin 2:4-5
3. Gocha Waaqayyoo amanaa keessatti
   a. Yaada haaraa2:12, 14:14, 32
   b. Mana qulqullumaa haaraa 3:16, 6:19-20
   c. Jireenya haaraa (jechuun, kan safuummaa) 6:9-11
   d. Jireenya haaraa, fakkeenya cuphaadhaan ta'ee 12:13
   e. Waaqayyoodhaa wajjin tokkummaa (jechuun, dhaloota lammaa) 6:17
   f. Ogummaa Waaqayyoo, ogummaa biyya lafaa utuu hin ta'in 2:12-15, 14:14, 32, 37
   g. Tokkoon tokkoon amanaa kennaa hafuura qulqulluu kan qabuu ta'uu isaa, tajaajilaaf, boqonnaa 12 fi 14
4. Kan hafuuraa fallaa isaa kan foonii wajjin 9:11, 10:3, 15:44
5. Kan hafuuraa biyya lfaa faallaa isaa kan foonii biyya lafaa 2:11, 5:5, 7:34, 15:45, 16:18
6. Gara namoota kan hafuuraatti/jireenya keessa karaa ittin argisiisuu qaama foonii tokkoo irraa garagarummaan akka jiruu 7:34

F. Namooti uumama isaanittiin addunyaa lama irraa jiraatu (jechuun, kan foonii fi kan hafuuraa) mucaan namaa Waaqayyo dhaa wajjin firooma qabuu irraa kufeera (Uumama 3). Jireenya Kristosiin, barumsoota, du'a, du'aa ka'uu fi karaa abdii deebi'uu hafuurri qulqulluun mucaa namaaf in kadhata, amantii wangeelaatti akka baran, tuqaa kanaanis Waaqayyoo wajjin tokkummaa akka qabaataniif kan deebi'an. Hafuurri qulqulluun qaama sadan tokkoo yeroo ta'uu innis kan bara tolaa haara amala kan godhatee dha. Hafuurri quqluulluun bakka bu'aa Waaqayyoo abbaa fi itti waamamaa ilmaati, kanaanis "bara". Rakkina kan qabaatu sababni isaa bara haaraa yeroo isaatti dhufuu isaatiifi kan bara moofaa hameenyi amma iyyuu utuu jiruu yeroon isaa ta'uu isaati. Hafuurri qulqulluun isa moofaa gara isa haaraatti jijjira, lamaanuu wali wajjin yoo jiratan iyyuu.

**11:12 "Samii irrattis. Gara kanatti achi asi ba'aa kan jedhu sagalee guddaa dhaga'aa"** warri tokko tokkoo akkaataa isaan itti ilaalan akka tasaa butamuu waldaa kiristaanaati 4:1 irratti Yohaannis gara samitti kan fudhatamee, kan biroonis kan isaan ilaalan rakkina giddutti kan ta'uu dhoksaatti butamuu waldaa kiristaanaatti, dhuga-baatootni lamaan kun gar samiitti kan waamaman lakkoofsa kana irratti. Asittis immoo dursi tilmaamaa keenyaa fi ejjennoon barumsa hafuuraa, fakkeenyi, hiiki barreefama wal fakkaatuu baasu!

▣ **"Achi irraas isaan gara samiitti duumeessan bahan.**" Kun deemsa hafuuraati. Masihiin duumeessa Waaqatiin adeema, Daani. 7:13 irratti. Yesuus gara samiitti kan ol ba'ee duumessan (HoE. 1:9). Yesuus duumessa Waaqatiin deebi'a Mat.24:30, 26:64, Mar. 13:26, 1Tas. 4:17, Mul.1:7, 14:14).

**11:13 "Yeroo sanattis sochii lafaa guddaa ta'ee, magaalaatti irraas harkii kudhan ni kufe"** sochii lafaa kan ilaalatee mul'aata irraa waabiin torba jirru (cf. 6:12, 8:5, 11:13, 19, 16:18). Kun kan inni argisiisuu hoji irra kan jiru kan itti fufuu, firdii Waaqayyoo murtaa'ee dha, warra hin amaniin irratti. Kunis Hisqeel.38:17-23 kan eeruu ta'a.

▣ **"Kan hafaniis sodaatu qabatee Waaqa Waaqa irraatiif ulfina kennan**" marii baay'een "kan hafan" jecha jedhu irratti adeemsifameera. Innis argisiisuu kan danda'uu

1. Akkuma jirutti jiraatoota Yerusaaleemiif (Zak.. 12:10) yookaan Room
2. Yeroo rakkinaatti kan fayyan, jechuun, dhugaatti qalbi kan jijjiratan
3. Amantoota Yihudootaa, Roome 11
4. Namoota, kan akka Nabukadinastoorii fi Siris kan kana fakkaatan gocha Waaqayyootiin kan nahan, ha ta'uu malee dhugaatti kan hin jijjiramne. 9:20-21, 14:7-8 fi 16 :10 sababa lakkoofsa 4 fillannoo wayyuu dha.

Ta’us 16:9 irratti ulfina kennuun qalbi jijjirannaa wajjin wal qabataa. Innis dhugumaatti kan danda’amuu isan kana. (Yihudoota yookaan waaqa tolfamaa kan waaqefatan) amananiiru! Kun ta’uu kan qabuu kaayyoo firdii Waaqayyooti (cf. 9:20-21,16:9,11).

## MUL'ATA: 11:14

**14 Wayyoon inni lamaffaan darbeera; wayyoo inni sadaffaan immoo, kunoo, dafee ni dhufaa**

**11:14** Kun xin-hima ce’umsaati (9:12, 12:12).

## MUL'ATA: 11:15-16

**15Kana bodeef ergamichi torbaffaan malakata isaa afuufe. Waaqa keessaa sagaleen guddaan, “mootummaan biyya lafaa kan gooftaa keenya, kan Masihii isattis taa’eera; inni immoo baraa hamma bara baraatti ni mo’a “ jedhuu ni dhaga’ame. 16Maanguddoonni digdami afran warri fuula Waaqayyoo dura teessoo isaani irra taa’aan, adda isaanitiin gombifamanii Waaqayyoof ni sagadan.**

**11:15 “Mootota biyya lafaa” KJV fi NKJV** “Moototti biyyi lafaa kanaa” kan jedhu qaba. Kan lakkoofsa baay’ee haala kamiin iyyuu barreefama Girikii durii irra hin jiru.

▣ **“Taate”** kun kan gocha giddu galeessaa (mirkaneessuu) kan argisiisuu dha. Kun ilma namaa kufee bittaa motummaa raawwiidhaa fi bittaa Waaqa keenyaa jalqabaati (cf. 12:10). Barri hafuura haaraa guutumaatti dhufeera. Kunnis kan inni mirkaneessuu kan wali gala yaad-rimee, innis, deebi’ee dhufuu isaa kan ta’uu tokkoon tokkoon isaa irraa raawwii marsaa firdii sadii booda, mallattowwan (cf. 6:12-17), malakatawwan )cf. 11:15-18), fi xoofoowwan (cf. 19). Mul’ata seenaa baraa, kan tartiiba qabu miti, ha ta’uu malee baacoo marsaa torbaa kan dhi’eetee dha, tokkoon tokkoon isaa yeroo wal fakkaataa kan ilaalatuu, ha ta’uu malee mallattichi, malakatichi, fi xoofichi, itti fufeenyaa fi haala jabaateen firdii ta’ani dha (1/4, 1/3 guutuu).

▣ **“Gooftaa keenyaaf isaaf Kristoosiif”** abbaa fi ilmi akkamitti dhi’eenyatti akka wal qabatan hubadhuu (Faru.2). akkasumas immoo 1 Qoro. 15:24-28 fi Efe. 5:5 cimsi isaa amma raawwachuu isaa hubadhu. Warri tokko tokkoo Zakka. 14:9 kan eeruu ni ilaalu, innis ta’uu kan qabuu sababni isaa kan Yohaannis fakkeennoo filatamaa Apokilaptikii burqaa Daani’eel, Hizqee, fi Zakkaariyaas ta’uu isaa.

▣ **“Baraa amma baraatti ni mo’uu**” kun kan inni argisiisuu mooti bara baraa ta’uu Waaqa keenyaa argisiisa (Bau 15:18, Faru. 10:16, 29:10, Isa 9:6-7, Dani 2:44, 4:34, 7:14-27, Zak. 14:9, Luqaas 1:33, 1Tas. 4:17, 2Phexi.1:11), mootummaa waggaa kumaa miti (Mul.20) kan Kristoos. Kun dhugumatti Maatte. 6:10 raawwii kadhata Yesuusiti kunnis fedhi Waaqayyoo lafa irratti ta’a Waaqa irratti akka ta’ee hundumaa.

Mootummaan Waaqayyoo qabatama guddaa dha wangeelaa fi mul’ata irratti. Kan wal jijijjiruu fi faallaa qaba, dhugaa waqtillee sanaatiin (waggaa kuma boodaa fi waggaa kumaan) gidduu fi gara fuula duratti wal qabachuu isaa (kan seenaa waggaa kuma fuulduraa fi muraasa waggaa kuma fuula dura). Kunis jijjirama wal fakkaataa akkasumas immoo kallatti biyya lafaa (kan waggaa kumaa) fi isaan kallatti bara baraa gidduu jira. Tarreesitootni tokko tokkoo, barsisaaisaanii, fi hundee amantaa wal jijjiraa kallaatti tokko irra ni qabaatu, ha ta’uu malee kan hafee ni dagatuu yookaan ni miciiru, tilmaama duraa mataa isaani irraa fi seera barnoota hafuuraa wajjin akka wali galan gochuuf. Namoota warra lixaatii fi baay’ee jaabata, og-baruu warra bahaa fi wal jijjiraa, fakkiduu, fi faallaa wal fudhachiisuu fi keessumatti sharbee Apokilaaptikii. Gooftaa keenyaa fi kan isaa Kristoos mo’eera, mootummaa irra jiru, ni mo’uus, tarreefamni isaas baay’ee barbaachiisaa miti! Mootii ta’uun Masihummaa yeroo murtaa’eef jiraachuu danda’a )1Qoro. 15:23-28) lammiin Israa’eel kutaa muraasa qabaachuu danda’a (Roomee 11). Ta’us fakkiduun Mul’ataatiif fakkeenyawwan waldaa kristaanaa wali gala malee Israa’eeliin hin ilaalatu (Daani. 2:34-35, 44). Ani dhuunfaa kooti banaatiin dhiisa, Israa’eel bara raawwataatti tibba irratti qooda akka qabaatuu, sababni isaa Waaqayyoo sanyii Abirahaamiif kakuu waan galeef (Isaa. 9:6-7, Zakka. 12:10) amala Waaqayyoo irratti hundaa’uudhaan (Hiz. 36:22-38).

**11:16 “Jaarsoolli digdamii afran”** mata duree addaa 4:4 ilaali

## MUL'ATA: 11:17-18

**17Isaan, “yaa Waaqayyoo gooftaa hundumaa dandeessuu, kan jirtu, kan turtees, humna kee isa**

**guddaa fudhatee waan mooteef, galata siif ni dhi'eesina! 18Saba Waaqayyoo warri hin ta'in dheekamaniiru, garuu dheekamsi kee dhufeera; yeroon warri du'an firdii argatan ga'eera; yeroo hojjeetootni kee raajoonni, warri siif qulqulla'an, warri si sodaatan, xixiqaajn, gurguddaanis, gatii isaanii itti argatan gaheera\ yeroo warri biyya lafaa balleessan itti balleefamanis gaheerra" jedhan**

**11:17-18** kadhati galataa kun NKJV, NRSV, fi TEV bifa ciigootiin barreefama, NASB fi NJB akkasumas hololoo dha. Isaan kun gala galchanii kan ba'an kadhataa fi galata ibsa itti fufee jiruuf hiika fooya'aadha (Faarfannaa irraa fi hiika ergamaa wajjin ).

**11:17 "Hundumaa kan bittuu yaa Waaqayyoo gooftaa**" kun kan inni argisiisuu maqaa kakuu moofaa isa guddaa sadii.

1. Yaahiwwee, Waaqa kakuu akka fayyisaatti (Ba'uu 3:14, Faru. 103)
2. Elohim, Waaqa uumaa akka kennaa fi eegaatti (Uuma. 1:1, Faru. 104)
3. Elshadda'ii, (cf. 1:8) jabaadhaa fi Waaqa gara laafessa, innis hafuuraa fi Waaqa gara lafeessa kan ture (Bau.6:3)

Mata duree addaa: maqaa 1:8 irratti ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Kan jirtuu fi kan turtee"** |
| **NKJB** | **"kan jiruu kan turee kan dhufus"** |
| **NRSV** | **"kan jiruu fi kan turee"** |
| **TEV** | **"kan jiruu fi kan ture"** |
| **NJB** | **"kan jiru, kan tur"** |

Kun kan baratamee ibsa Waaqayyoo kallatti fuula duraa (kan jaarraa kudha jahaaffaa dhumaa kan Girikii barreefama walitti fufuu xixiqaa irraa kan hafe) itti dabalameera, Waaqayyoo mo'uu sababa jalqabuu isaatiin. Kan isaan kanaa kallatti duraa booda isaatiitin, sadan isaa keessaa inni dhumaa macaafa Mul'ata keessatti raawwatee irraa deebi'ee hin eeramne. Mootummaan isaa dhufeera (cf. 11:15-16)! Kunis mallattowwan sanaaf , malakatichaaf, fi xoofiicha walitti dhufeenya wal cinaa guduunfaa yaad-rimee fi odeefannoo laata!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"human guddaa waan qabateef waan mooteefis"** |
| **NKJV** | **"Humanguddaa waan qabateef waan mooteef"** |
| **NRSV** | **"Human guddaa waan qabateef waan mooteef"** |
| **TEV** | **"Humna guddaa kee waan qabatee fi waan biteef"** |
| **NJB** | **"Human guddaa kee waan qabatee fi waan mooteef"** |

Kun gocha xumuramee kan argisiisuu dha, kan gochaa kan yeroo ammaa kan argisiisuu kan hordofu. Humni yeroo hundumaa kan isaati, garuu mootummaan isaa amma jalqaba (gocaha seensaa).

**11:18 "Hormoonni ni dheekaman"** kun kan eeruu dha Faru. 2, 46:6, fi Hiz. 38-39 (Saptuwaajentii seensa Apokilaptikii ta'uu danda'a. dheekamsii ormootaa kun karaa lamaan ilaalamuu danda'a.

1. Seera biyya lafaa kufeee Waaqayyoo fi karoora isaa fi bittaa isaa fi saba isaa jibba
2. Waaqayyo irratti bara dhumaa irratti fincilli ni jiraata, lolaanis kan mul'atuu (harmaageedoon Mul'ata 20)

▣ **"Dheekamsikees dhufee**" kun Faru. 2 yookaan 110:5-6 kan eeruu ta'a. jechi Girikii kun *orgē* dha yaadannoo guutuu 7:14 irratti ilaali.

▣ **"Yerichi dhufeera"** guyyaan gooftaa warra tokko tokkoof guyyaa firdii yeroo ta'uu kan biroodhaf immoo guyyaa badhaasaati. Kun kallatti lama Mat. 25:31-46 fi Mul'ata 20:11-15 irratti argama. Namootni hundumtuu (guddaanis xiqqaanis) Waaqayyo dura dhaabbatuu, waa'ee jireenya isaanis deebii laatu (Gala. 6:7, 2Qoro. 5:10).

## MATA DUREE ADDAA: GUYYAA SANA

Gaaleen kun, "guyyaa sana" yookaan "guyyaa sana" raajoota jaarraa sadeettaffaa mil'achuun Waaqayyoo "argamuu" karaa ittiin nama hasoofsiisuu dha, firdiifis ta' ee deebi'uuf

| Hosee | | Amos | | Mikiyaas | |
|---|---|---|---|---|---|
| Bifa sirriidhaan | al-ta’aa | bifa sirrii | al-ta’aa | bifa sirrii | al-ta’aa |
| 1:11 | 1:5 | | 1:14 (2) | | |
| 2:4 | | | | | |
| 2:15 | 2:3 | | 2:16 | | |
| 3:6 | | | | | |
| 2:16 | | | 3:14 | 4:6 | |
| 2:21 | | | 5:18 (2) | | |
| 5:10 | | | | | |
| | | | 5:20 | | |
| 7:4 | | | | | |
| | 5:9 | | 6:3 | 7:11 (2) | |
| | 7:5 | | 8:3 | 7:12 | |
| | 9:5 | | 8:9 (2) | | |
| | 10:14 | | 8:10 | | |
| | | 9:11 | 8:13 | | |

Gareen kun raajootaaf barbaachiisaa dha. Waaqayyoo cubbuu irratti yeroo isaatti tarkaanfii fudhachuuf, ha ta’uu malee qalbi jiijiraanaadhaaf dhiifamaaf guyyaa k enneera, hojii fi gocha isaani warra jijjiraniif isaaniif! Kan Waaqayyoo oolchuu fi karoori deebissuu ni raawwata! Amala isaa namoonni callaqisisan ni qabaatu. Kaayyoon uumamaa (Waaqayyoo fi namoota giddutti tokkummaan ta’uu ni raawwatama!

▣ **“Warra du’an irrattis akka faraduuf barri dhufe”** kan bara dhumaa firdiin Waaqayyoo Mat.25 fi Mul’ata 20 irratti ibsameera. Gaaleen kun kan inni cimsuu hiiki mulataa raawwii torban (ta’iwwanidha),bara dhumaatti kan ta’uu tokkoon tokkoon ramaddii kan ta’ee (keessumatti mallatichaan, fiiniichaan, xooficha irratti ifaa kan ta’e).

▣ **“Garboota kee raajootaaf”** gaaleen kun 10:7 irratti mul’ata. Yohaannis mataa isaa akka raajiitti mul’isa, kitaaba isaas akka raajiitti , kanaaf, jechi kun yeroo hundumaa kitaaba mul’ataa keessatti faayidaa irra oola jedhamuu kan danda’uu jechi kun “ergamaa” waamicha jedhuu bakka bu’uu isaati (cf. 10:7, 11:10, 18, 16:6, 18:20, 24, 22:6, 9). Mata duree adda: raajii kakuu moofaa 16:6 irratti ilaali.

▣ **“Qulqulloota”** “qulqulloota” jechi jedhuu amantootni Kristoosiin ejjennoo isaan qaban kan argisiisu malee, cubbuu kan hin qabne ta’uu isaanii miti. Innis immoo itti fufeenya kan qabuu Kristoosiin fakkaachuu isaani ibsuutu irra jiraata. Jechichi yeroo hundumaa kan baay’eeti, Filli.4:21 irratti yoo hin taane irraa kan hafe. Ta’us, akka yaada baarreefama kanaatti kan guduunfamee dha. Kiristaana ta’uun kan hawaasichaa,kan maatii isaa, kan qaama isaa miseensa ta’uu dha. Mata duree addaa: qulqulloota 5:8 irratti ilaali. Waamichi kun dhugumatti kan inni bakka bu’uu kan kakuu haaraa saba Waaqayyooti waldaa kiristaanaa.

▣ **“Xixxinootaa fi gurguddootaaf”** kun kan fakkaatuu lakkoofsa kanaan garee lama qofa eeramuu isaaniti. Raajootaa fi qulqulloota. “Xixiootaa fi gurgurgudoota” kan jedhuu gaaleen kun lakk. 19:5 irratti argama. Innis Wangeela Yohaaniis irratti ibsa jaallatame ture. (cf. 13:16, 19:5, 18, 20:12, 19:5, Faru. 115:13, kan eere kunis obbooloota jiran hundumaa kan dabalatuu dha).

▣ **“Lafas kan balleessan akka balleesituuf**” kun amala nama kufee Uma. 3 fi Roome 8:18-22 ni argiisiisa. Namootni hamootni sasatuu isaanii fi matayyummaan fayyadamuun, waliin dha’anii fayyadamuun, akka malee kan Waaqayyoo uumama foonii itti fayyadamu.

Kunis hiikamuu kan danda’uu, mucaa namaa hamaa, innis Waaqayyo lafa irratti firdii akka fiduuf akka dirqisiisuu dha (bishaan badiisaa, Uma. 6-9, dha’icha warra Gibxii Bau. 7-12, abaarsa kakuu, Keessa deebii 27-28, yookaan abiddaan lafa baduu, 2Phexi 3:10). Mul’ata irratti mallatticha ¼, malakatichi 1/3 fi xoofichii badiissi wali gala lafa irratti geesisu.

**MUL'ATA 11:19**

**19Kana boodee manni qulqullummaa Waaqayyoo innin Waaqa keessaa banamee, saanduqi kakuu mana qulqullummaa isa keesaas ni argame; balaqeessii ni ballaqeesa'e, sagaleen biraa, qaqawweenis wal jalaa ni qaban, lafti ni socho'ee, cabbie guddaanis ni bu'e.**

**11:19 "Waaqa irra kan jiruu manni qulqullummaa Waaqayyoo ni baname"** mul'atni kun kan inni jalqabuu balbala samii irratti banamee ta'uu isaa hubadhuu (cf. 4:1, 15:5). Egaa, kan Waaqayyoo manni qulqulluummaa Waaqa irraa kutaan keessaa argamuu danda'a (Ibi. 8:5, 9:23-28).

Yesus yeroo du'uu golgaan mana qulqullumichaa oli hanga gadiiti tarsa'uun isaa kan inni argisiisuu amma gara Waaqayyotti dhi'aachuu hundumaaf danda'amuu isaati, karaa Kristoos (Mat. 27:51, Mari. 15:38, Luqaas 23:45, Ibi.9:8, 10:20 kan eeruu ta'eera). Fakkeenyi wal fakkaataan kun asitti irra deebi'ameera. Waaqayyoo hundumaaf argame. Kan Waaqa irraa manni qulqullummaa keessaa amma guutuu guutuutti banamee argama.

▣ **"Taaboota kakuus"** taabooti kakuu yeroo ta'eetti yeroo boojuu Baabiloonitti badeera (yookaan gara Farihoon Gibxitti Shishak, 1Moto. 14:25). Inis fakkeenya kan ta'uu argamuu Waaqayyooti, Israa'eel laga Yordaanoos erga ce'ani booda, gara biyyatti abdiiti. Innis fakkeenya kan godhamuu kan Waaqayyoo jecha kakuuti, innis dhoksaa kan argisiisu (cf. 10:7), kaayyoon oolchuu Waaqayyoo ilma namaa hundumaaf (Roome 16:25-26). Kakuu moofaatti angafa lubaa qofatu ture mi'a qulqulluu kanatti kan dhi'aatu, waggaatti al tokko guyyaa mana mana qulqullummaa (Lewoot 16). Egaa, namoonni Waaqayyoo hundumtuu gara argamuu Waaqayyootti dhufuu danda'u.

▣ **"Bakakaa fi sagalee kakawee raafama lafaa cabbiin guddaan ta'e"** kun 8:5 fi 16:18-21, innis Bau. 9:24 fi 19:16-19 kan callaqisiisu.

**GAAFFILLEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'uu, kana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti kan hiikuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya isa nu kennameen deemuutu nurra jira. Hiiki warri duraa sii, Kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kan deebiftee hiika irratti jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffillee mare kanaa kan kennaman kutaa kitaaba kanaa dhimma gurguddaa akka ta'utti akka qayyabatuu akka si gargaaruu dah.Kana jechuun akka ta'utti akka itti yaadu kakkaasuuf malee kana qofaan akka murtooftuu iti.

1. Kan yeroo turmaataa kanaa kaayyoon isaa maalii dhaa?
2. Hiiktootni baay'een boqonna 10 irra kan jiru ergamaa maaliif akka Kristoositti fudhachuuf yaalaanii?
3. 10:7 irratti kan eeramee dhoksaan Waaqayyoo maaliidhaa?
4. Yohaannis akka nyaatu kan aboomamee macaafni xiqqoon maaliidhaa?
5. Dhuga-baatoonni lamaan eenyu fa'ii? Ergaan isaaniis maal turee?
6. 11:9 magaalaa Yerusaalem ibsa moo yookiis mormituu Waaqayyoo mootota biyya lafaa? maliif?
7. Turmaata yeroo kanaa irratti kan jiran kakuu moofaa kan eeran tarreessi.

# MUL'ATA 12-14
# KAN ISA HAARAA HIIKAWWAN RAMADDIWWAN KEEYATA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Dubartitti fi Jawwicha | Dubartitti, Mucicha, fi jawwicha | mul'achuu dubartitti, mucichaa , fi jawwichaa, | dubartitti fi Jawwichaa | mul'achuu dubartitti fi jawwichaa |
| 12:1-6 | 12:1-6 | 12:1-6 | 12:1-2 | 12:1-6 |
| 12:3-6 | sexanni sami irra gatame | | | |
| 12:7-12 | 12:7-12 | 12:7-9 | 12:7-9 | 12:7-12 |
| | Dubartittiin ni ari'atamte | 12:10-12 | 12:10-12 | |
| 12:13-17 | 12:13-17 | 12:13-17 | 12:13-18 | 12:13-17 |
| Bineensoota lamman bineensichaa | Bineensoota galaanaa | Bineensoota lamman | Bineensoota lamman | Jawwichi humna isaa kenne |
| 12:18<br>13:10 | 12:18 | 12:18 | | 12:18- |
| 13:1-4 | 13:1-10 | 13:1-4 | 13:1-4 | |
| 13:5-8 | | 13:5-8 | 13:5-8 | |
| 13:9-10 akka bineensichaa | Bineensa lafa irraa | 13:9-10 | 13:9-10 | Raajii sobduun garba |
| 13:11-18 | 13:11-18 | 13:11-18 | 13:11-17<br>13:18 | 13:11-17<br>13:18 |
| Faarfannaa kan 144000 | Hoolichaa fi 144000 | gidduu kan seene | Hoolichaa fi saba isaa | Hirihoota hoolichaa |
| 14:1-5 | 14:1-5 | 14:1-5 | 14:1-5 | 14:1-5 |
| Ergaa ergamoota sadanii | Labsii ergamoota sadanii | | Ergamoota s adan | Ergamoonni guyyaa firdii labsan |
| 14:6-7 | 14:6-13 | 14:6-7 | 14:6-7 | 14:6-7 |
| 14:8 | | 14:8 | 14:8 | 14:8 |
| 14:9-12 | | 14:9-11 | 14:9-11 | 14:9-13 |
| | | 14:12 | 14:12 | |
| 14:13 | | 14:13 | 14:13<br>14:13b | |
| Makara lafaa | makara lafaa sassaabuu | | makara lafaa | makarichaa fi makara ormaa |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 14:14-16 | 14:14-16<br>Wayinii dheekamsaa sassaabuu | 14:14-16 | 14:14-16 | 14:14-16 |
| 14:17-20 | 14:17-20 | 14:17-20 | 14:17<br>14:18-20 | 14:17-20 |

**MARSAA RAMADDII DUBBISAA SADII (fuula V ilaalii kutaa seensaa)**

Kun qajeelfama hiika qayyabannaa yeroo ta'uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi'uutu nurra jira. Hitkoonni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kana deebiiftee hika irratti jechama biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaadawwan ijoo irratti (marsaa ramaddii dubbisaa lakk.3 fuula viii). Kan kee yaada ijoo ramaddiwwan gubatti kan tarreefaman hiiktoota shanan wajjin wal bira qabi. Guutummaan mul'inichaa keeyata keessatti argamuu yoo baatees yaadni barreesitoota jalqabaa kan ta'ee wanti barbaachiisaan hiikichaa irratti argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa of keessatti qabateera.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f.

**QABIYYEE AKKA HAALA BARREEFAMICHAA**

A. Kan biraan yeroon turmaataa kan inni jalqabu 12:1 irratti yeroo ta'u hanga 14:20 itti fufa. Baay'een kan isaan mirkaneessan kun dhugumatti kan biraa duraa fi aantee torbaati. Ramaddiin barreefamaa kun lola hafuuraa jecha lamaan ibsa
   1. Moototа lamman
   2. Magaaloota lamman
   3. Dhuga baatoota qalaman lamanii fi warra isaan ajjeessan
B. Lakk.1-6 kan inni ibsuu walumatti qabaatti (kan samii) waan gaarii fi hamaa gidduu lola adeemsifamuu dha, jecha himteen, kan aadaa durii baha dhihoo irraa kan fudhatame (Giranti Asboorin, hiika bakka tokko irraa ka'ee bal'achaa deemuu fuula 229).
   1. Yaada-uumtoota warra Babiloon __ Tiyaamat (burjaajii), bineensa abbaa gaanfa torbaa, innis Babiloon, innis ishee ajjeessee gaanfa waaqa tolfamichaa kan ta'e.
   2. Himtee warra Gibxii__ Seet (Tayifon) , jaawwee diima wajjin Isis (Hazer), Horiyusiin kan deessu. Booda Seetin ajjeessa.
   3. Himtee Yugqritiki Ba'aal__ Yaam (bishaanoota) Ba'aal wajjin. Ba'aalis Yaamiin ni ajjeessa.
   4. Himtee Faariis__ Azihii Dabakaa (jawwee hamaa) muca Ahura Mazadaa wajjin (waaqa tolfamaa gaarii isa ol aanaa).
   5. Himtee Girikii __Paayitoon (bofa/jawwee) letoo ulfaa wajjin (Apoolloo ni deessi, innis Paayitooniin ni ajjeessa).
C. Boqonnaa kana akkamitti hiikuun akka danda'amu nama rakkisa. Warri tokko tokko haala seenaan hiikuu yaalaniiru, anatti kan fakkaatu garuu bara kanatti mootumoota mormituu Waaqayyooti fi isa haaraa mootummaa Kristoos keenyaa gidduutti wal'ansoon godhamu fakkeennoo dha (11:18, Faru. 2). Kanaaf, kun lammanuu, dhalachuu Kristoosi fi kan dhufu mootummaa Masihii kan mirkaneessu kan seenaa eeruu dha. Kun kan argamuu nama dhuunfaa tokkooti (Masihi)fi kan garee (saba Waaqayyoo)nama dhuunfaa tokkoo wajjin (seexana) fi kan garee (yaada hafuura hamaan liqimfamuu

kan qaban kan hin amanne). Kun argamuu wal fakkaataa faaruu tajaajilaa Isaayaas keessatti argama. Tajaajilichi Isira'eelii dha (Isa. 41-50),Masihichis (Isa. 52:13-53:12).

D. Phaawulos kan Kristoos geggeessaa samii Tasolonqee 1-2 irratti ibseera (Ib. 1:2-3 hubadhaa).

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## Mul'ata 12:1-6

**1Wanti guddaan dinqisiisaan tokko, waaqa keessatti in argame; dubartiiin biiftuu uffatee, ji'a miilla jala kaa'attee, gonfoo urjoota kudha lamaa mataa ishee irraa qabdu tokko in mul'atte. 2 Isheen ulfa turte, ciniinsuu da'umsaatiinis dhiphattee in iyyite. 3 Wanti dinqisiisaan biraa tokkos waaqa keessatti in argame; inni immoo bineensa akka jawwee guddaa, diimaa biluu, mataa torba, gaanfa kudhan, mataa isaa torban irratti wanta akka gonfoo torba qaba ture.* 4Eegeen isaa urjoota waaqa keessa jiran harka sadii keessaa harka tokko haxaa'ee, lafatti gadi isaan darbate. Bineensi akka jawwee sunis yeroo dubartittiin deessu mucaa ishee liqimsuudhaaf jedhee, ishee da'uuf jettu sana dura in dhaabate*. 5Isheen ilma saba hundumaa siiqqee sibilaatiin tiksuus jedhu in deesse; ilmi ishee garuu gara Waaqayyootti, gara teessoo isaattis ol in butame*. 6 Dubartittiin immoo lafa onaatti in baqatte; achitti iddoo Waaqayyo akka isheen guyyaa kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaatamaaf, waan ittiin jiraattu argattuuf qopheesseef, qabdi turte*.**

**12:1 "Wanti guddaan dinqisiisaan tokko samii keessatti argame"** kun tarii kan mul'ataa "mallattowwan torban" jalqaba ni ta'a. kun adda kan ta'ee jecha barumsa hafuuraati (*sēmeion*) wangeela Yohaannis irratti yeroo hundumaa faayidaa irra kan oole (2:11, 23, 3:2, 4:54, 6:2, 14, 30, 7:31, 9:16, 10:41, 11:47, 12:18, 37, 20:30). Innis amma yeroo torba ta'eera 12:1 fi 19:20 gidduu __ yeroo sadii mallattoon samii irratti (12:1, 3, 15:1,) fi yeroo afur akka mallattoo lafaa (13:13, 14, 16:14, 19:20).

▣ **"Samii irratti"** kun tarii kan inni jedhuu "samii irratti" dha, mootummaa Waaqayyootti isaan osoo hin taane. Samii (wwan) kan jedhu kakuu haaraan argisiisuu kan danda'u qilleensa naannoo lafaa ol kan jiruu dha (Uma. 1:1, 8-9, 17, 20, Faru. 104:2-3) yookaan bakka Waaqayyo jiraatu (Faru. 11:4, 103:19, Isa. 66:1, 2Qor. 12). Kun kan nama walaalchisuu dha barsisoonni lakkoofsa samii akka tilmaaman kan isaan godhee __ sadii yookaan torba.

Mata duree addaa: samiiwwan 4:1 irratti ilaali.

▣ **"Dubartii uffatee"** dubartiin kun bifa bareedeen ibsamteeti, 17:4 irratti kan jirtuu ishee eejjitutti guddoo baay'ee bifa adda ta'een, isheenis fakkeenya mormituu Waaqayyoo kan taatee, mootummaan lafaa akka Baabiloon, Room, fi bara dhumaa mormitoota Kristoos seera biyya lafaan. Ka'umsa fakkeennoo Yohaannisiif yaad-rimeewwan lama jiru:

1. Uumama 3, dubartii, bofaa fi mucaan kan jiru
2. Kan biraan jabaan kan eeruu "da'umsa" irra kan jirtu, kakuu moofaan (Isa. 26:17-18 Septuwajentii fi Isa. 66:7-13)

Israa'eel, akka dubartii mucaa deessuutti ibsameera (Mik. 4:10), kanaaf, dubartittiin kun kan isheen bakka buutuu saba dhugaa kan Waaqayyooti (Lakk. 1-6), ta'us garuu, lakk. 13-17 irratti isheen kan kakuu haaraa saba Waaqayyoo taati, dheekamsa jawwee jalaa kan baqatu. Kan biroon yaad-rimmeewwan kan Aleen Johnson mul'ata, fuula 117-119 ilaali.

Gaaffii fi deebii irratti F. F, Biruus akka jedheetti, "dubartittii kanan yaaduu akka 'Waaqa Israa'eel' hawaasa Masihiitti, keessaa iyyuu naannichatti kan mul'atee waldaa kiristaanaa Fillisxeemitti, waldaa kiristaanaa haadhaa wajjin ulfina wal qixa qabdi,… 'hafteen sanyii isheeti' kutaawwan addunyaa kan biraa irra kan jiran kiristaanoota ta'u, 13:7 irratti kan jiru kaayyoo miidhaa" (fuula 140).

Yaada bal'aa kitaaba qulqulluu isa haaraa Jorjii . R Bissiley Mureey akka jedheetti, "addunyaan durii namootni amantaa waaqa tolfamaa dubartii ciniinsii irra jirtu, urjiwwan kudha lamman Zodiyaak

gonfoo godhatee arganiiru, Yihudiin ishee kan hubatuu akka haadha Tsiyoonitti dha (Isa. 26:16027, 1, 49:14-25, 54:1-8, 66:7-9), Yohaannisiif garuu isheen kan isheen bakka buutuu 'haadha' hawaasa Masihiiti, kan amanan saba Waaqayyoo, kakuu moofaattis ta'ee kakuu haaraatti" (fuula 1441).

▣ **"Urjoota kudha lamman"** asittis irra deebiin hiika dursa tilmaamaa keenya adeemsiisu.

1. Kakuu mofaa yoo ta'e egaa gosoota kudha lamman Yihudootaati kan inni argisiisu
2. Keessoo kakuu Apokilaptikii yoo ta'ee mallattoo Zodiyaak kan inni argisiisu
3. Kakuu haaraa yoo ta'ee egaa ergamoota kudha lamman kan inni argisiisu

Kudha lama bak-buusa lakkoofsa dhaabataa kitaaba qulqulluu dhaabataatti. Mata duree addaa: lakkoofsa kudha lama 7:4 irratti ilaali.

Ta'us, hiiki boqonnaa kudha lamaa fakkeenyummaa Yohaannis akka ta'uutti haala adda baasuun miti, ta'us garuu dhuga giddu galeessa qabiyyeeti malee. Qajeelfama kana qabachuutu irra jira. Gochuun kan nurra hin jiraane

1. Tarreefamawwan dhiibu
2. Wanta tokko tokko akkuma jirutti fillachuu fi waan tokko tokkoo immoo fakkeenyummaan filachuu
3. Hiika keenya seenaa yoomessaa keenyatti harkisuu

**12:2** Dhiphinni ciniinsuu fakkeenyummaan faayidaa irra kan oole

1. Kan eegaman, garuu akka tasaa kan ta'an tibbawwan
2. Tibba eegamu wajjin kan wal qabatee dhiphina yookaan rakkina
3. Humna kuufame guddaan wanta haaraa .jalqabu

Warri Yihudootaa kan isaan amanan "kan bara haaraa" dhufuu isaa ari'atamuu fi rakkiwwan akka of keessatti qabatuu dha (Isa. 13:8, 21:3, 26:17, 66:7-13, Mat. 24:8, Mar. 13:8, 1Tas. 5:3). Yohaannis yaad-rimee kana kan inni fayyadame seena krratti fi duuka buutota isaa fi Waaqayyo fi duuka bootoota isaa gidduu walitti bu'iinsa jiru ibsuudhaaf (Isa. 66:7-24).

Haaloonni addunyaa kun hamaachaa fi itti caalaa deemaa jiru, ta'us garuu Waaqayyoo seenaa ni to'ata (kun dursa bar-kumee fi ilaalcha bar-kumee yeroo ta'uu, bar-kumee boodni baay'ee abdii kan qabuu dha waa'ee seenaa addunyaaf). Duuka buutonni isaa rakkina gidduutti nii eegamu, akkasumas kufaati yeroo gidduutti abbaa mo'ichaati, du'a foonii illee yoo ta'e (Yoha. 16:20-21). Gaaffichi, "Waaqayyo akkamitti duuka buutota isaa eegaa?" dha. Adda isaanii irra kan jiruu mallattoon isaa "dheekamsa Waaqayyoo irraa" isaan eega, ta'us garuu warra hin amanne irraa ari'atama ta'uu (rakkina) osoo hin taane. Waaqayyoo isaaniif isa irraatti, isaan jaallatas, garuu baay'een isaani ni du'u!

**12:3 "Kunoo jaawwee diimaan guddaan, mataa torbaa fi gaanfa kudhan qabu turan mataa isaani irratti wanta akka gonfoo torba turan"** kun labsii isa hamaa fi kan humna guddaati dha (13:1 fi 17:3). Gaanfawwanii fi mataan isaa fakkenyummaa humna guutuu yeroo ta'u (Daani'eel.7) akkasumas wanti akka gonfoo kan inni bakka bu'uu, hamichii kan Kristoos bakka inni itti mo'uu irraa fudhachuuf yaalii inni godhu.

"Jawwee" jecha jedhu gara kakuu moofaatti deebi'ee ni deema

1. Uumama 3 bofa
2. Lamanuu kan burjaajii bineensoota hamoo
    A. Rahaab (Faru. 89:10, Isa. 51:9-10, Iyo. 26:12-13)
    B. Leewaatan (Faru. 74:13-14, 104:26, Iyo. 3:8, 7:12, 41:1, Isa. 27:1, Amos. 9:3)

Waamamni baay'ee isa hamaaf kakuu haaraatti ni argamu

1. “Seexana” yeroo 33 faayidaa irra ooleera
2. “diyabiloos,” yeroo 32 faayidaa irra ooleera
3. “qoraa,” (Mat. 4:3, 1Tas. 3:5)
4. “hamaa,” (Mat. 6:13, 13:19, 1Yoha. 5:18)
5. “diina,” (Mati. 13:39)
6. “angafa seexanootaa,” (Mat. 9:34, 12:24)
7. “bitaa biyya lafaa kana,” (Yoha. 12:31, 14:30, 16:11)
8. “angafa qillensa irratti aboo qabu,” (Efe. 2:2)
9. “waaqa biyya lafaa kana,” (2Qor. 4:4)
10. “Beelhor,” (2Qor. 6:15)
11. “Bi’eel Zeebul,” (Mar. 3:22, Luq. 11:15, 18-19)
12. “jawwicha,” Mul. 12:3, 4, 7, 9, 20:2)
13. “bofa,” (Mul. 12:9, 15, 20:2)
14. “komataa,” (Mul. 12:10, 15)
15. “hamajaajii,” (1Phex. 5:8)
16. “Leenca aadu,” (1Phex. 5:8)

## Mata duree addaa: Seexana

Sababa hedduu kaasuuf kun dhimma baay’ee ulfaataadha.

1. Kakuu Moofaan waaqimboo dina namaa (archenemy) haala gaariin hin bisu. Garuu tajaajilaa/hojjetaa YHWH kan filannoo dhala namaaf kennuu fi gocha sirrii hin taaneef kan himatudha.
2. Yaadni dhunfaa Waaqayyoottii diina guddaa ta’uu kan babal’ate gidduu galinsa hogbarruu Macaafa Qulqulluu (haala madaalli hin kaafneen (non canonical) dhibbaa amantii pershiyaatiiniii (*zoroostrianism*)dha. Kunis, buubatti deebi’ee, duree amantii biyohoo kan judizimii (Rabbinical judicism) jeeqeera.
3. Kakuu haaraan, ergaa guddaa Kakuu haaraa haala dinqisiifannaa ifa ta’een: garuu keessaa rammaddiiwwan isaa filatee

Yoo namni tokko qo’annoo jinnii/waan garaa/ (evil) ogummaa (perspective) barnoota Macaafa Quqlulluu (biblical theoloty) irrattii garga baasuuttii dhiyaatee (tokkoon tokkoon macaafootaa ykn barreessaa ykn haalli barreeffama hogbarruu isaa ni qoratee gargara baasee ni murteessaa kana booda ilaalchiwwan jinnii baay’een ni ibsamu.

Yoomillee yoo namni tokko qo’annoo jinnii obsa miti Macaafa Quqlulluu (non babilical) ykn Macaafa Qulqulluun ala kan ta’an amantiin Addunyaa ykn amantii gara bahaatti dhiyaate; guddinni kakuu haaraa hedduun amantii peershiyaa ‘dualism’ jedhuu fi ‘Greco Roman Spritism’ jedhuun haguugameera.
Yoo namni tokko dhugaadhumaan fudhatee, Aangoo humna Waaqayyoo of Macaafa Quqlulluu barreessuuf waadaa gale, kana booda guddinni Kakuu Haaraa akka Mul’ata babal’achaa deemuutti ilaalamuu qaba. Kiristaanonni yaada wangeelaa hiikuuf aadaa Yihudootaa (Jewish folklore) ykn ogbarruu warraa dihaa kana (kana jechuun, Dante, Milton) fudhachuu dhiisuu irraa of dhorkuu/eeguu qabu.

Naannoo Mul’ata kanaa kan jiru, kan hiikni isaa shakkisiisaa ta’ee fi kan waan maddi isaa hin beektamne (mystery)dha. Kan Waaqayyo filates amaltoota jinnii (Afuura haamaa) (evil) madda isaa fi kaayyoo isaa ibsuu osoo hin taane, kufaatii isaa beeksisuudha. Kakuu Moofaa keessatti jechi seena ykn himataa jechu garee adda addaa sadii wajjiin wal qabatu fakkaata.

1. Himataa, Namaa (humna accuser) (Isam 29:4; 2Sam. 19:22; 1Mot 11:14, 23, 25, Far. 109:6)
2. Himataa Ergamaa (Angelic accuser) (Lakk. 22:22-23; Zak 3:1
3. Himataa Afuura hamaa/jinni (demonic accuser (1Sen 21:1; Mot. 22:21; Zat 13:2)

Bara giddugalaa ragaa (intertestament) booda bofti Uma 3 irra seexana wajjiin adda ba’ee ibsama (cf. “Book of Wisdom” 2:23-24; 2Henok 31:1, malee hanga ammaatti illee kan fialnnoo barsiisaa seera ta’e miti. (cf. Sot 96 fi Sanh 29a). “Ilmaan Waaqayyoo” kan Um 6 jedhu, 1Enoch 54:6 irratti ergamoota ta’aniiru, sirrummaa isaa gama barnoota amantiin (theologically) ibsuu koo miti, garuu guddina isaa agarsiisuudhaafanii Kakuu Haaraa keessatti gochaawwan Kakuu Moofaa kunneen 2Qor 11:3; Mul 12:9 irrattii namummaa hamaa

(i.e. Seexanaaf) gumaachaniiru/ibsuuf tajaajilaniiru.

Kakuu Moofaa irraa madde seexanaa murteessuun ilaalcha irratti hundaa'ee ulfaataa ykn kan hin danda'amnedha. Kanaafis sababa kan ta'u Waaqa Israa'el isa jabaa tokkichaa (Israal's strong monotheism)dha. (cf. 1Mot 22:20-22, Lall 7:14; Isa 45:7; Amos 3:6). Sababoonni dhiyaatan hundinuu (all causality): Addummaa fi olaantummaa YHWH mirkaneessuu keessatti gumaacha godhaaniiru. (cf. Isa 43:11; 44:6,8,24; 45:5-6, 14,15,21,22)

Maddoonni ragaa ta'uu danda'an kan isaan xiyyeeffatan (1) Iyo 1-2, bakka sexanni "Ilmaan Waaqayyoo" keessaa tokko taatee ergamoota jechuudhaan dhiyaate. Ykn (2) Isa 14; His 7:28, bakka oftuultoonni mootummoolee gara bahaa 9baabiloonii fi xiiroos), olaantummaa/oftulummaa seexanaa argisiisuuf itti dhimma bahan. (cf. 1Xim. 3:6). Anis miira (emotion) waa'ee ilaalcha kanaa walmaksiiseera. Hisqeel akka seexanaatii His 28:12-16). Dhaaba Waaqayyoo Eden mootummaa Xiiroos qofa bakka buuse osoo hin taane mootummaa Gibxiifillee akka muka beekumsa gaariif yaraa (qoode evil) bakka buusee. (His 31). Kana ta'uyyuu, Isa 14, addummaan immoo Lakk 12:14 oftuulummaan ergamootaatiin akka mormu waan ibsu fakkaataa. Otoo Waaqayyoo adda baasee maddaa fi uumamaa seexanaa, nuuf ibsuu barbaadeera ta'ee kun daandii qaxaamuraa fi bakka ittii hojjetaan ta'ayyu nutis dirqama, toftaa kallattii waliigalaan waan xiqqoo barnoota amantii, qaama ulfaataa ragaa gara garaa (ambiguous testaments), barreesstootaa, kitaabolee, fi odeeffannoo mormuu irraa of eegannee akka hiphoo Waaqayyootti (divine puzzle) walsimsiisuu qabna. "Alfred Edersheim" *(The life and Times of Jesus the Massial* Vol 2 appendices XIII (pp. 748-763)) jedhuuti, dureen "dualism" jedhamuu fi tumaama/yaada jennii 9demonic speculation) baay'ee jeeqamee ture. Bakka kanatti barsiisonni (Rabbis) dhugaatiif madda sirrii miti. Iyyaasuusis battalumatti barsiisa manneen sagadaa warra hurrii ba'an (synagogue) irraa adda ba'e. Akka yaadutti; yaadni barsiisa ergamaan gidduu galuu fi seera tulluu siinaarratti Museetti kennameen mormuu ergama YHWHtti akkasumas dhala namaatti diina guddaa (archenemy) ta'uuf balbala baneera.

Waaqoolii gurguddoo lamaan Iraan (Zoroastrian)

'Alkimai fi Ormaza', gaarii fi garaa yaada barsiisaa kanaa amantii Yidhudootaa kan lamummaa 9dulaism of YHWH & Satan) daangeessu guddiseera. Akka guddina jinni (waan yaraatti (evil)

Kakuu Haaraa keessatti dhugaadhumaan mul'ata wlairraa hin icnneetu jira, garuu akka labsii barsiisotaatti kan of eeggannoon ibsame miti. Garaagarummaa kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u "lola samii keessaa" (War in heaven" kan jedhuudha. Kufaatiin seexanaa adeemsa barbaachisudha. Garuu murteewwan isaa hin kennamne. Wanti kennamellee hogbarruu balaa guddaa ibsan (2po. Calyptic gence) haguugameera) dhokateera. (cf. Mul 12:4,7,14-13). Ta'uuyyuu sexanni mo'amee gara lafaattis darbatameera, hanga ammaattis akka hojjete YHWHtti tajaajilaa jira. (cf. Mat 4:7; Luq 22:31-32; 1Qor 5:5; 1Xim 1:20)

Nutis dirqama dharraa waa hubachuu keenyaa bakka kana keessatti to'achuu qabna. Humni nama qoruu tokkoo fi hamaa (evil) ta'e ni jira. Garuu hanga ammaatti Waaqa tokkichaa fi dhala namaa qofatu filannoo isaatiif deebii ta'a. Lollii afuuraas fayyina duraa fi booda ni jira, mo'ichi kan argamuu fi kan nama harka turu, Gargaarsa Waaqayyootiin qofadha. Jinnii/hafuurri hamaa mo'atamee jira, ni ba'a/ni gadhiisa.

**12:4 "Eegeen isaas urjoota samii harka sadii keessaa harka tokko harkisee gara lafaatti gate."**
"urjoota samii" jechi jedhuu yeroo hundumaa kakuu moofaatti faayiidaa irra kan inni oolu qulqulloota Waaqayyoo eeruedhaaf ta'uu isaan kan ka'ee (Uma. 15:5, Erm. 33:22, Dan. 12:3), tokko tokko kan isaan tilmaaman kun kan inni eeru qulqulloota, haali barreefamichaa garuu ergamaadha kan inni argisiisu (Dan. 8:10, 2Phex. 2:4, Yihu. Lakk. 6). Ergamoota kufan (jechuun, urjoota kufa) yaada baratamee dha, og-baruu Apokilaptikiin (jechuun, 1Henook).

Seexanni samii irraa ergamaa wajjin Waaqayyo duratti argama, Iyoob 1-2 fi Zakkariyaas 3. Inni "Kirubiin kan uwwisu" ture (Hiz. 28:12-18). Ibsi kun, fakkiduu Heden Ganati irraa ta'e, mootii Xiiros wajjin wal hin simu, ta'us garuu of jajuu fi of tuullummaan mootichaa seexana irraa kan fudhatamee dha (anaa galumsi kun baayinaan natty hin tolu, sababni isaa Hizqeel 31 irratti mootiin Gibxii akka waan gaarii fi hamaa akka gosa mukaa adda baasu waan ibsameef. Hizqeel dhaabataatti jecha Hedeen kan inni fayyadamuu mootota ibsuudhaaf). Kakuu moofaatti diina Waaqayyoo miti, kan mucaa namaati malee (12:10). Seexanni hamaa ta'ee hin uumamne ta'us garuu kan hundumaa wantoota gaarii fi qulqulluu ta'an diina isa ol aanaa ta'uudhaan guddachaa dhufe (A.B. Devidisen barumsa hafuuraa kakuu moofaa

fuula 300-306). Yeroo baay’ee waa’een samii irraa darbatamuu jedhameera (Isa. 14:12, Hiz. 28:16, Luq. 10:18, Yoha. 12:31, fi Mul. 12:9, 12). Rakkichi yoomiidha. Inni:

1. Yeroo kakuu moofaatti
    a. Uumama namaa dura
    b. Iyoob booda, yeroo ta’eetti, garuu Hizqeel 28 dura
    c. Yeroo bittaa fuuldura, garuu Zakkaariyaas booda
2. Yeroo kakuu haaraatti
    a. Qoramsa Yesus booda (Mat. 4)
    b. Yeroo adeemsa mishinoota torbaatama (Luq. 10:18)
    c. Yeroo dhuma hameenyaa irratti (Mul. 12:9). Mata duree addaa 12:7 irratti ilaali.

Inni tokko ajaa’ibsifamuu danda’a harki sadaffaan urjii kan isaan argisiisan Waaqayyo irratti ergamoota ka’an kan eeraman ta’u issaa fi seexana duuka bu’uu barbaaduun. Akkas yoo ta’e, kun qophaa isaa hundee jechaa qulqulluu dha, kakuu haaraatti ergamoota kufan wajjinkan wal qabate (12:9, 12). Lakkoofsichi, tokko sadaffaan, tarii kan inni walitti dhufan daangaa badiisaa wajjin, yeroo firdii malakataatti (8:7-12, 9:15, 18) fi lakkofsa murtaa’ee miti. Yookaan inni oftuulummaa seexanaa, ergamootaa keessaa kan murtaa’aan, lola irra. Akkasumas immoo ta’uu kan danda’u inni akkasuams kan inni callaqisiisu himtee durii Baabiloon. B. 1 irratti kan jiru haala qabiyyee barreeffamaa  ilaali.

Tuqaa kana irratti gargaaraa kan ta’u yaadatamuun kan irra jiru, ammam illee dhimmi kun ajaa’ibsiisaa kan inni ta’u, yaadi barreessaa jalqaba ta’uu dhiisuu danda’a, haala barreefama kanaan ibsuudhaaf (1)ka’umsa seexanaa: (2) kufaati seexanaa, yookaan (3)Samii irratti kan ta’uu hameenya ergamaa. Og-barruu Apokilaaptikii ka’umsa giddu galeessaa mul’ataa waan murteessa dha, ta’us garuu kan dhi’eenya kan hin jijjiramne, tarreefamaa fi fakkiwwan isaa kan baacooti, fakkeennoon, kan kalaqaa. Kitaaba qulqulluudhaaf of eegannoo fi ulfina qabnuu dha tarreefama keenya, kan loogikii, kan doktiriinii foormulaa kan sosochoosan. Tarreefamawwan dhiibuu irraa of eegadhaa, og-barruun Apokilaaptikii  yeroo hundaa dhugaa barumsa hafuuraati, murna daangaa (fireem) kan dhi’aate. Inni dhugaa dha, ta’us garuu fakkeenyuummaadhaan kan dhi’aatee dha!

▣ **“Mucicha akka nyaattu”** mucaan kun kan inni argisiisu Masihii abdi sana (12:5). Seexanni karoora Waaqayyoo sadarkaa kam irratti iyyuu wal’ansoo qabuu barbaada, lammanuu isaa, karoora furuu isaa hundumaa (haala irratti kakuwwan hin hundoofne) fi karoora oolchuu nama dhuunfaa (kakuu haala irratti hundaa’e) Mat. 13:19, 2Qor. 4:4).

**12:5 “Isheen muca dhiiraa deesse”** kun Isa. 66:7-8 kan eeru ta’a. Yohaannis akkamitti Yesus irraa foon uffachuu gara raawwii bittaa isaatti akkamitti akka sosocho’ee hubadhaa. Gidduu isaa wantoota jiran hundumaa wangeela Yohaannis irratti ibsameera, mul’ata irratti osoo hin taane.

▣ **“Warri Waaqa hin beekne hunduu ulee sibilaan akka isaan bituuf kan jedhe”** kun Faru 2:9 kan eeru yeroo ta’uu, fi kanaaf kan Masihiiti . Mul. 19:15 irratti gaaleen kun faayidaa irra Masiiidhaaf yoo ta’u, Mul. 2:26-27 irratti qulqullootaaf faayidaa irra kan inni oole. Masihiidhaan (nama dhuunfaa) fi hawaasa amanaa  (wali galaa) gidduu asitti jijjiramuutu jira, faarfannaa tajaajilaa Isaayaas irratti akka jiru (jechuun, kan biyyaa Israa’eel, Isa. 42:1-9, 19, 49:1-7, 50:4-11, 52:13-53:12). Amma saboota hamoo akka bitamuuf, geggeessaa haaraan dhufee guyyaa tokko walumaa galatti ni bitama.

▣ **“Mucaan ishee gara Waaqayyooti fi gara teessoo isaatti butame.”** Tokko tokkoo kana kan isaan ilaalan akka ol fudhatamuu Kristoositti, ta’us garuu kan ramaddii barreefama kanaa tuqaa isaa ni dagana, jireenyaa seenaa Kristoosiif baay’ee cimaa kan goone akka ta’e. Yohaannis, kitaaba mul’ataa irratti kan inni xiyyeefattu qalbi jijjiranaa fi Waaqayyoof ulfina kennuu dha. Kun garuu kan Yesuus gahee giddu galeessa gadi xiqqeessuu miti (5:9, 12, 7:14, 12:11), ta’us garuu mootummaan bara baraa dhufuu irratti gahee xiyyaafatuu dha (1Qor. 15:25-28), kan lamaanuu  mootummaa abbaa fi kan ilmaa!

**12:6 "Dubartittiin gara lafa onaatti baqate"** baay'een kan isaan ilaalan ba'uudhaaf kan eeruu dha, innis haala barreefamichaa irratti bakka hundumaatti kan argamu. Yeroo joormaa lafa onaa barsiisota biratti kan argamu Yaahiwwee fi Israa'eel gidduu akka yeroo wal kaadhimachuuti. Yeroo kana keessatti , kan isaan barbaachisu hundumaa isaaniif kenneera, akkasumas dhi'eenyatti isaani wajjin ture.

▣ **"Waaqayyoof bakka qopheefameef"** ammam illee walumaa galatti haala barreefamichaatiin yeroo lafa onaa keessa jooruu yoo callaqisisees, gaaleen kun kan biro kan seenaa kan eeranis qabateera.

1. Eliyaas keerititti baqate (1Mot. 17:1-7)
2. Eliyaas gara Siina lafa bishaaniin marfameeti baqachuu (1Mot.19:1-14)
3. Kuma torba kan amanaman (1Mot. 19:18)
4. Badiisa Yerusaaleem jalaa kan baqatan bara haraaraa 70 (Mat. 24:15-20, Mar. 13:12-18)

▣ **"Guyyaa kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaatama"** kun irra deebiin kan inni fakkaatu kan hin muramne, ta'us garuu kan murtaa'ee, yeroo ari'atamuuti. Kun yeroo fi sa'a wal fakkaataa karaa adda addaa baay'een eerameera, innis waggaa sadii fi walakaa kan ta'u wajjin wal qixa kan ta'e.

1. "Bara, baroota, walakessa baraa" (Dan. 7:25, 12:7, Mul. 12:14)
2. "Halkan 2,300 fi ganama" (Dan. 8:14)
3. "Ji'oota afurtamii lama" (Mul.11:2, 13:5), "guyyoota 1,260" (Mul. 11:3, 12:6), "guyyoota 1,290" (Dan. 12:11), fi "guyyoota 1,335" (Dan. 12:12).

Torba lakkoofsa guutuu dha, akka qorannoo lakkoofsa Ibirootaatti (Uma. 1:1-2:3). Torba irraa tokko yeroo hir'atuu waa'ee namaa guutuu ta'uu dhiisuu dubbata fi 666 (Mul. 13:17-18) dhuma irratti nama guutuu hin taanee dha, mormituun Kristoos (2Tas. 2). Bifa wal fakkaataan, sadii fi walakaan kan murteefame, ta'us garuu kan hin muroofnee fakkeenya yeroo rakkinaati. Mata duree addaa: ji'a afurtamii lama 11:2 irratti ilaali.

## Mul'ata: 12:7-10A

**7Kana booddees waaqa keessatti lolli in ka'e. Mikaa'el, ergamoota isaa wajjin bineensa akka jawwee sana in lole, bineensichi akka sunis ergamoota isaa wajjin deebisee isaa wajjin deebise isa in lole*. 8Bineensichi mirga hin argane, deebi'ees isaaf ergamoota isaatiif waaqa keessatti iddoon hin argamneef *. 9Bineensi guddichi akka jawwee sun, bofni bara durii, inni Diyaabilos, Seexanas jedhamee, inni guutummaa biyya lafaatti gad in darbatame, ergamoonni isaas isaa wajjin gad in darbataman*. 10 Ani immoo waaqa keessaa sagalee guddaa tokkoo nan dhaga'e, innis, "Amma fayyinni, aangoon, mootummaan kan Waaqayyo keenyaa, aboonis kan Masiihii isaatii ta'eera, hadheessituun obboloota keenyaa inni halkanii fi guyyaa Waaqayyo keenya duratti isaan hadheessaa ture immo gad darbatameera*.**

**12:7 "Samii keessattis lolli ta'ee"**

## Mata duree addaa: Lolli samii keessatti

Yeroo walaloo kanaa kan ilaalate marii heedduun geggeefameera. Yesuus kana kan eere fakkaata, Luq. 10:18 fi Yoha. 12:31 irratti. Ha ta'uu malee duraa booda tibbaati fi guyyaa isaa teesisuuf baay'ee rakkisaa dha:

1. Uumama 1:1 dura (Uumama dura)
2. Uumama 1:1 fi 1:2 gidduu (yaad-rimee gidduu fageenya jiru0
3. Kakuu moofatti Iyoob 1-2 booda (seexanni waaqa irratti)
4. Kakuu moofaatti 1Mot. 22:21 booda (seexanni mana mareewaaqa irratti)

5. Kakuu moofaa Zak. 3 booda (seexanni samii irratti)
6. Kakuu moofaa kan akka Isa. 14:12, Hiz. 28:15 fi 2Heenook 29:4-5 (moototni warra bahaa kan itti ceepha'aman)
7. Kakuu haaraa qormaata Yesuus booda (Mat.4)
8. Kakuu haaraa yeroo ergama warra torbatamanni (seexannis samii irraa osoo kufuun arge, Luq. 10:18)
9. Kakuu haaraatti gara Yerusaaleemitti mo'ichaan erga galanii booda (bitaan biyya lafaa kanaa ni gatame Yoha. 12:31)
10. Kakuu haaraatti du'aa ka'uu fi ol ba'uu Yesus booda (Efe. 4:8, Qola. 2:15)
11. Bara raawwataatti (Mul. 12:7, seexanni samii akka weeraree, daa'imicha barbaacha)

Isa akkasumatti yoo ilaalee wayya, Waaqayyoodhaa fi loltu isa hamaa gidduutti akka lola bara baraa godhamuutti, walitti bu'iinsi kun kan inni xumuramu kan jawwichaa fi mo'amuu loltuu isaati booda ta'a. Mul'ata 20 irrati isaan ni dhabamsifamuu adda ba'us!

▣ **"Mikaa'el"** kitaaba qulqulluu keessatti maqaa isaaniitiin kan eeraman ergamoota lama qofa (jechuun, Mikaa'eelii fi Gabri'eel). Ergamaan kun ergamaa saba Israa'eel jedhamuudhaan mogaafameera Dan. 10:13, 21 di 12:1 irratti. Innis angaffa ergamootaa jedhamuudhaan Yihuudaa lakk. 9 irratti waamameera. Maqaan isaas "kan akka Waaqayyo jiru" jechuu dha. warri tokko tokko isa kana Kristoosiif akka maqaa biraatti, kun garuu baay'ee fagoo deemuu fakkaata. Waaqayyo isa fincilaadhaan hamaa hin yaalu. Kitaabni qulqulluun lama miti, akka Faariis Zorostinizimi. Waaqayyo isa hamaa mo'eera, ergamoota isaa fayyadame (ammam illee dhugaa isaatiin hojii furuu Kristoosiin yoo ta'es).

Seera qabeesummaa fakkiduu, Mikaa'eel abuukatoo dhorkuu dha, seexanni akka komata abuukatoo seeraatti yoo hojjetu, Yaahiwween immoo abbaa seeraati! Mikaa'eel dhimma sana kan mo'atu

1. Aarsaa ta'uu du'a Kristoosiin, du'aa ka'uu, fi karaa ol ba'uu isaatiin (12:6)
2. Waldaa kiristaanaatti dhuga-baatuu amanamaa (12:11b)
3. Jabaachuu waldaa kristaanaa (12:11c)

▣ **"Jawwichi ergamaa isaa wajjin waranamee"** sirritti ergamoonni seexanaa eenyufaa akka ta'ee haala kitaaba qulqulluutiin ibsuudhaaf ni rakkisa. Baay'een isaanii akkaataa isaan itti ilaalan akka hafuura xuraa'aatti (Mat. 25:41, Efe. 6:10). Haa ta'uu malee yeroo hundumaa gaaffiin irra deddeebi'aan jira waa'ee ergamootni Tartarus jiraatan (2Phex. 2:4), fi Mul. 9:14 irratti waa'ee ergamoota eeramanii, isaanis to'annaa Waaqayyoo jalatti kan ta'an garuu walumaa gala ergamoota hamoo kan ta'an. Baay'inaan addunyaa ergamootaa irra walitti bu'iinsi jiru kan hin ibsamnee dha (Dan. 10).

Akkasumas mariin itti fufiinsa qabu jira, kan kufan ergamootni kakuu moofaa fi hafuura hamaa kakuu haaraa gidduu walitti dhufeenya jiru. Kitaabni qulqulluun waa'ee dhimma kanaa caluma jedhe. Keessoo kitaaba qulqulluu og-barruu Apokilaptikii (keessumatti 1Heenook) cimsa kan inni mirkaneessuu ergamoonni muraasni, uumama walakaan isaa nama ta'ee dha, Uma. 6:1-4 hafuura xuraa'aa kakuu haarati, qaama namaa lammaffaa keessa jiraachuuf kan barbaadan. Kun tilmaamaan, ha ta'uu malee inni tokko tokkoo kan jaarraa tokkoofaa Yihudootni waa'ee dhimma mata duree kanaa maal akka yaadaa turan ibsa.

Gochi kan inni kan inni hin murtoofne akka haala barreefama kanaatti kan wal simu hin fakkaatu. Inni ta'uu kan danda'uu Seeminizimii dha, akkasumas hiikamuu kan qabuu "lolaniiru" (ibsa tarreefama kitaaba qulqulluu, guca 12, "mulata" Aleen johnsan, fuula 519, yaadannoo miila jalaa lakk.7. kun mul'ata irratti tarreefama ani jaalladhu keessaa isa tokko).

**12:8** kun kan jalqabaa duraa fi aantee jecha jajjabeessaa dha, waldaa kiristaanaa ishee ari'atamteef. Lakk. 8, 11, fi 14 saba Waaqayyootiif jabina guddaa laata, isaanis itti fufeenya kan qabu rakkina keessatti kan darbaniif kan jaarraa tokkooffaatii fi kan jaarraa tokkoon tokkooniif. Seexanni duraan dursee yeroo lama mo'ameera: yeroo tokko mucicha ajjeessuuf yeroo yaale (lakk. 4) fi amma teessoo Waaqayyoo weeraruuf yeroo yaaluu (lakk. 7-9), innis immoo ni mo'amaa saba Waaqayyoo lafa irraa dhabamsiisuuf yeroo yaalu.

▣ **"Isa booda iddoo waaqa irratti hin argamneef"** kun kan inni argisiisu seexanni yeroo ta'e tokkootti sami irra akka turee dha (Iyo. 1-2, Zak. 3, fi 1Mot. 22:21). Maqa- dhaala kan isa baay'ee yaadadhu, inni kan inni argisiisu ergamoonni kan biroon seexanaa wajjin tokkummaa akka qabanii dha.

**12:9 " Dihabiloosi fi seexana kan jedhamu jawwee guddaan innis kan dursee bofaan gatame"** asitti fi Mul. 20:2 (Solomon ogeessicha 2:24), dha bakkawwan qophaan, seexanni adda baafamee kan eerame Uumama 3 bofaa wajjin, bifa adda ta'een 2Qor. 11:3. "Dihabiloos" jechi jedhuu jecha Girikii yeroo ta'u "maqa balleessaa" jechuu dha, "seexana" jechi jedhuu immoo jecha Ibirootaa yeroo ta'uu "diina" jechuu dha (2Sam. 19:22, 1Mot. 11:14). Isaan lamaanuu kan isaan mirkaneessan hojii isa hamaa dha, akka komataa obboleessa isaaatti (lakk. 10). "Seexana" jechi jedhu kakuu moofaatti (mata duree addaa 12:3 irratti ilaali) yeroo hundumaa matiyaa miti, ta'us garuu kan adda ta'an ta'ii adda addaa sadii dha : (1(Iyoob. 1-2, (2)Zak. 3:1-3, fi (3) 1Sen. 21:1. "kan gatamee" yaadannoo guutuu isaa 12:4 fi 7 irratti ilaali.

## Mataduree addaa: Hammeenya isa Qaamaa

Kun sababoota baay'eef mataduree baay'ee rakkisaadha

1. Kakuu Moofaa diinni inni adda dureen Waaqayyoof jiraachuusaa hin ibsu. Garuu tajaajilaa YHWH innis ilma namaaf filmaata kan dhiyeessuufi waa'ee qulqullummaas kan ceepha'uudha.
2. Diinni inni qaamaa adda duree ta'e, yaadirimeensaa guddachaa kan dhufe Hog-barruudha kitaaba Awaaldi yookiin macaafota Macaafa Qulqulluu keessatti hin haammatamne (non-canonical) dhiibbaa Amantii Faariiotaa (*Zoroastrianism*) irraati .Kunis galagalchaan Yi'udummaa isaa kan Barsiisotaa dhiibbaa irraan ga'eera.
3. Kakuu Harawaan bifa nama ajaa'ibsiisuun dhugumaa Kakuu Moofaa tumsaa dhufeera

Qayyabannaa hammeenyichaa isa tokko akkaataa beekumsa Macaafa Qulqulluun ilaaluun yoo barbaachise ilaalchi hammeenyichaa baay'een hin mul'atu.

Hata'u malee, eenyu iyyuu qayyabannaan hammeenyicha Macaafa Qulqulluu irratti kan hin taane yookiin Macaafa Qulqulluu irraa kan hafaa ta'an jechuunis, akkaataa Amantii adda addaa addunyaarraa yookaan kan warra baha waliin yoo ilaalle, sanaan boodas guddina kakuu harawaa dualismii (dualism) warra Faarisiifi jireenya hafuurummaa (Greco-Roman spiritism) gaadissi irratti godhameera.

Namni kami iyyuu tilmaama akkas ta'innaan qabame aboo waaqaummaa Macaafa Qulqulluu yoo ilaale, guddinni kakuu harawaa dirqamatti kan mul'atu kallattii guddinaatiin.

Kiristiyaanonni dirqamatti kan isaan irraa of-eeggachuu qaban, Seenaa qabatamaa hintaane Yi'udotaa ykn Hog-barruu Ingilizootaa (Dante, Milton) irratti ibsi akka kennamu iyyamuu hinqaban. Gama mul'ataan waan iccitii ta'uufi murteessuuf nama rakkisu hin jiru. Waaqayyo hin filanne, kallattii hammeenyichaa hundaa, ka'umsi isaa, kaayyoon isa, akka mul'ataniif, garuu mo'amuusaa ibseera.

Kakuu Moofaa keessatti jechi hammeessaa jedhamu bakka sadiitti hiramee ilaalama

1. Hammeessitoota namaa. 1sam. 29:4 2Sam. 19:22 1Mot. 11:14, 20, 29; Far. 109:6
2. Hammeessitoota Ergamootaa Lak. 22:22-23; zek. 3:1
3. Hammeessitoota Seexanaa 1Sen. 21:2 1Mot. 22:21; Zek. 13:2

Boodarratti yeroo kakuu Uma. 3 irratti bofi Seexana jechuudhaan beekama ( macaafa ogummaa 2:23-24; II Heenok 31:3), isaan booda kun filmaata Barsiisotaa ta'e (*Sot* 9b fi *Sanh*. 29a). Uma. 6 irratti kan argaman ijoolleen Waaqayyoo 1Hen. 54:6 irratti Ergamoota ta'u. Kana kanan jedhuuf, sirrii ta'uusaa mirkaneessuuf jedhee miti, garuu guddinasa agarsiisuuf jedheeti malee. Kakuu harawaa keessatti hojiin Kakuu Moofaa

Ergamootaaf, hammeenyota qaama warra akka namaatti ibsamaniif kan kennameedha (1Qor. 11:3 mul. 12:9

Hammeenyi qaamaa inni akka namaatti ibsamu ka'umsa isaa Kakuu Moofaa irraa murteessuuf rakkisaadha. (ilaalcha nama dhuunfaan kan daangeffamuudha) kanaaf sababoota tokko kan ta'u tokkummaa Israa'elotaa isa jabaadha. (!mot. 22:20-22:Lal. 7:14 Isa. 45:7 Amo. 3:6) Addummaasaa mul'isuuf sababooti hundumtuu gara Yahiwetti agarsiisu. (Isa. 43"11; 44:6, 8, 24, 45:5-6, 14, 18, 21, 22 )

Kallattii ittiin ragaan sassaabamu keessa inni tokko kan xiyyeeffatu (1) Iyo. 1-2 dha Seexanni "Ijoollee Waaqayyo" kan itti ta'e (jechuun ergamaa) fuula Waaqayyo duratti (zek. 3) yookiin (2) Isa. 14, Hiz. 28 inni oftuulaan Mootota warra baha cina yeroo itti taa'e (Babilooniifi Qiroos) oftuulummaa Seexanaa mul'isuuf hojiirra oolan. (1Xim. 3:6) Hisqi'el tooftaa inni itti waa'ee Jenneta Eeden itti fayyadamee ibse, MootiiQiroosiin akka Seexanaatti dhiyeessuu qofaan miti, (His. 28:12-16) garuu immoo, Mootii Misiraafi akkasumas akka muka isa hamaafi gaarii mul'isuuti. (Hiz. 31) ta'us Isa. 14, keessumaa lak. 12-14 oftulummaarraa kan kaasu hammeenya Ergamootaa kan ibsuudha. Waaqayyo uumama Seexanaafi ka'umsa isaa ibsuuf kan itti fayyadamuudha. Beekumsa Macaafa Qulqulluu kan fakkaatu isa tooftaa adda addaan dhiyaatu irraa of-eeguutu nurra jiraata. kutaa Macaafa Qulqulluu keessaa isa waan wal-faallessu fakkaatu barreeffamoota, akkasumas kitaabota adda addaa waliin makuun waan ibboo namatti ta'u akka hin uumne.

Alfred Edersheim *The Life and Times of Jesus the Messiah*, vol. 2, appendices XIII (pp. 748-763) fi XVI (fuula. 770-776) akka jedhutti Barsiisonni Yi'udummaa dualismii warra Faarisiifi ibsi Seexanummaa baay'inaan dhiibbaa irratti godheera. Naannoo kanatti dhugaa jiruuf Barsiisonni ragaa gaarii miti. bakka kanatti Iyesuus barsiisa Mana Qulqullummaatti barsiifamu irraa garagarummaa guddaa qaba. An akkan yaadutti Barsiisotaaf yaadirimee kan ta' kadhta Ergamootaafi mormii, Museedhaaf gaara Siinaa irratti abboommiin yeroo kennameef angafoota Ergamootaa YHWH fi ilma namaa mormuuf karaa argatan. Waaqi tolfamaan warri Iraan lamaanuun *Ahura Mazda* (Waaqa isa gaarii) fi *Angra Mainyu* (Waaqa isa gadhee) ol-aantummaaf lafa irratti akka dirree waraanaatti wal-lolaniiru. Lola kana booda Judaism keessatti dualismii guddachaaaa dhufe, YHWH fi Seexana gidduutti.

Hammeenya isa Qaamaa ilaalchisee mul'ati itti fufiinsa qabu Kakuu Harawaa keessa jira; garuu akka Barsiisotaa ibsi kan itti kenname miti. Garaa garummaa kanaaf fakkeenya kan ta'u lola Samii irratti ta'eedha. kufaatiin Seexanaa bifa adda ta'een hin dhiyaanne. Kanumti kennameef iyyuu fakkeenyuma mul'ataan haguugameera. (Mul. 12:4, 7:12-13) Seexanni yooma illee mo'amee gara lafaatti gadi darbatameera ta'e iyyuu, har'a iyyuu akka tajaajilaa YHWH, tti hojjeta. (Mat. 4:1; Luq. 22:31-32, 1Qor. 5:5 1Xim. 1:20).

Xiyyeefannaa naannoo kana irratti qabnu dhaabuu qabna. Dhiibbaa dhuunfaa kan ta'ee fi qormaatini isa hamichaa jira garuu Waaqayyo tokkichi jira, akkasumas ilmi namaa filannoo ofii isaaf itti gaafatummaa fudhata. Lolli hafuuraa ni jira, karaa lamaaninuu fayyuu duras boodas. Mo'ichi argamuu fi hafuu kan danda'u tokkummaa Waaqota sadanii keessatti. Inni hamaan mo'ameera akkasumas hin bada.

▣ **"Biyya lafaa hundumaa kan dhiisisu"** kun kan inni ibsamu ergama isa hamaati. Wangeelli waan hundumaan akka ta'e (Mat. 28:18-20, Luq. 24:47, HoE. 1:8), mormitootni wangeelaas akka kana! Baay'ee kan fooya'ee kitaabni ani dubbise, guddina seexanaa irratti, kitaaba qulqulluu irratti, tajaajila irraa gara diinummaa, kan A.B Deevidsen barumsa hafuuraa kakuu moofaati, fuula 300-306. Ergamni seexanaa 2Qor. 4:4, 5:8, Mul.13:14, 19:20, 20:3, 8, 10, 2Yoha. 7. Seexana akka tajaajilaa Waaqayyootti yaaduun nama rakkisa garuu 2Sam. 24:1 1Sen. Wajjin wal madaalchiisaa.

▣ **"Gara lafaattis gatamee"** "gatame" jechi jedhuu yeroo baay'ee faayidaa irra ooleera, qabiyyee barreefamaa kana irratti: yeroo lama lakk. 9, fi lakk. 10, fi lakk. 13 irratti. Irra deebiinis faayidaa irra ooleera 19:20, 20:3, 10, 14, 15 fi akkasumas kan eeruu dha Isa. 14:12 yookaan Luk. 10:18, fi akkasumas Yoha. 12:31 irratti. Lafti bittaa gochaa seexanaa taateetti. Yaadannoo guutuu kufaatti seexanaa irratti ilaali.

**Mul'ata: 12:10B-12**

**10Ani immoo waaqa keessaa sagalee guddaa tokko nan dhaga'e; innis, "Amma fayyinni, aangoon, mootummaan kan Waaqayyo keenya duratti isaan hadheessaa tire immoo gad**

**darbatameera*.11Obboloonni keenya immoo dhiiga hoolicahaatiin, dubbi isa dhugaa ba'aniinis isa mo'aniiru, isaan du'atti waan isaan geessu yoo ta'ee iyyuu, lubbuu isaani hin mararsiifanne*. 12Egaa yaa bantiwwan waaqaa, warri isaan keessa jiraattanis gammadaa! Yaa lafaa, yaa galaanaa, seexanni gara keessanitti waan gad bu'eef isiniif garuu wayyoo! Inni yeroo gabaabduu duwwaa akka qabu waan beekuuf, guddaa aareera!" jedhe*.**

**12:10b-12** kun samii irra kan jiru sagalee guddaa ergaa jiruu dha.

**12:10 "Amma fayyinni, aangoon, mootummaan kan Kristoos ta'e,"** kun 11:15-18 wajjin kan barreefama wal qixaati. Raawwati isaa sichi dur dhi'aateera, Waaqayyoo abbaa mo'ichaati! Kun baay'ee kan gargaaruu dha, rakkina jabaa, du'as dabalatee amantoota fudhataniif.

▣ **"Komee obboloota keenyaa"** kun kan inni argisiisu lakk. 10 irratti kan jiru sagaleen ergamaa ta'uu dhiisuu isaa dha, ta'us garuu amantootni walumaa galatti, irra caalmaanis 6:9-11 kitimamtoota irraa.

Jechi Ibirootaa seexana "komataa" jechuu dha. Seexanni gahe kana irratti Iyoob 1:9 fi Zak. 3:1 irratti argina.

▣ **"Halkanii fi guyyaa fuula Waaqa keenyaa duratti kan isaan komatu"** seexanni waaqa irraa yoo gatamees, amma warra amanaman fuula Waaqayyoo duratti isaan komata.kun sharbee kanaaf jijjiramadha. Humni isaa cabeera, ta'us garuu amma iyyuu damaqaa dha (ta'us, Waaqayyoon kan murtaa'ee dha, Iyo. 1-2).

**12:11 "Isaanis dhiiga hoolichaa irraan kan ka'ee dhuga-baatii isaanii irraan kan ka'ee ni mo'an,"** mo'ichi duraan dursee ta'eera, Waaqayyoo bakka Masihii of kennuu (1:5, 7:14, 1Phex. 1:18-19, 1Yoha. 1:7). Kun gatii furuu kan of keessatti qabatuu lammanuu

1. Ayyaana Waaqayyoo, du'a of kennuu Kristoos (Mar. 10:45, 2Qor. 5:21)
2. Amantoota irraa kan eegamuu deebii amantii (6:9, Mar. 1:15, Yoha. 1:12, 3:16, HoE. 3:16, 19, 20:21) fi kan isaanii amantii sana qoodachuu (jechuun, akkaatee jireenyaa fi sagaleen)

Gaaleen kun baay'ee 14:12 wajjin wal fakkaata. Wal fakkeenya guddaa qaba, lakk. 11 fi 17 gidduu. Lakk. 11 fayyina kan ibsuu fakkaata, lakk. 17 immoo bil;chaatina kiristaanaa fi obsa qabaachuu. Mo'ichi Kristoos kan kan inni argamee Qaraniyoo akka ta'e yaadadhu, bar=kumee irratti osoo hin taane.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"lubbuu isaanii hanga du'aatti hin jaallanne"** |
| **NKJV** | **"lubbuuisaanii hanga du'aatti hin jaallanne"** |
| **NRSV** | **"jireenyatti jiraachuu hin jaallanne hanga du'aatti"** |
| **TEV** | **"jireenya isaani hanga kennutti fi hanga du'aatti fedhii qabu turan"** |
| **NJB** | **"hanga du'a dhandhamanitti jireenya isaanii hin jaallanne"** |

Jaarraa tokkooffatti amantootni fi maatiin isaanii du'a sodaachiisaa dhandha'amaniiru (baay'een isaanii bara hundumaatti akka ta'an). Isaan Waaqayyoon mallateefamaniiru, eegamaniirus, ta'us garuu amma iyyuu warra hin amaneen ni ari'atamu. Kristoos irratti amantii isaan qaban sodaa du'aa caalaa cimaa ture (2:10, Mar. 8:35, 13:13, Luq. 14:26, Yoha. 12:25).

**12:12 "Waaqni fi warri isa keessa jiraatan, gammadaa,"** kun kan ammaa giddu galeessa xiyyaafataa dha (18:20). Innis kan Faru. 96:11 yookaan Isa. 49:13 kan eeruu dha. Samiin ni gammada sababni isaa seexanni waan darbatameef, ta'us garuu biyya lafaaf wayyoo!

"Samiwwan" kan jedhu lakk. Baay'een kakuu moofaatti faayida irra kan oole(1)qilleensa naannoo lafaa ibsuudhaaf (Uma. 1) fi (2)Waaqayyo bakka inni jiraatu ibsuudhaaf. Haala barreefama kanaan lakk. 2 dha.

"Jiraachuu" jechi jedhuu (NASB, NKJV, NRSV) yookaan "achi jiraachuu" (TEV, NJB) "mana qulqullummaa" maqaa jedhu irraa kan dhufee dha. Inni kan inni argisiisu Waaqayyo wajjin mana jireenyaa dhaabataa dha (7:15, 12:12, 13:6, 21:3 fi Yoha. 1:14 Kristoos nu wajjin).

▣ **"Dheekamsa"** 7:14 irratti guutummaa yaadannoo ilaali.

▣ **"Yeroo xiqqoo akka qabu beekee"** kun kan inni argisiisuu yeroo fi sa'a ol fudhatamuu Kristoos (HoE. 1:9-11) gidduu fi lammaffaa dhufuu isaa, innis Yohaannis fi kan jaarraa tokkoffaa kiristaanootaa yeroo gabaabaa akka ta'u yaadaa akka turanii dha. Amma waggaa 2000 kan ta'uu ta'eera, tokkoon tokkoon dhalootaa kan gooftaa kan ta'e yeroo deebi'uu abdii qaba. Amantootni turmaata kana of eegachiiseera, 2Tas. Fi Mat. 24:45-51. Turuun isaa amantii akka hin hir'ifnee of eegadhaa (2Phex. 3:3-4).

## Mata duree addaa: Yesus yoroo ta'etti deebi'a kan jedhu faallaa isa isa ganaa dha jedhu wajjin (NT PARADOX)

Kan kauu haaraa raawwii keewwataa kan argisiisuu kan Kakuu Moofaa keessatti callaqisiisa, isaanis kan yeroo raawwataa ta'ii waqtoollee in ilaalu.

A. Matii 24, Maar 13 fi Luqaa 21 hiikuudhaaf baay'ee rakkiisaa dha, sababi isaa isaan bukkee isaatiin gaaffoollee baay'ee waan kaasaaniif
   1. Manni qulqullumichaa yoom diigamaa?
   2. Deebi'uun nMasihii mallattoon isaa maal ta'aa?
   3. Addunyaan kun yoom darbitti? (Maatii 24:3)
B. Kan Kakuu Haaraa barri dhummaa keewati yerooo hundummaa badiisaaf kan sagallee raajii qabu, innis ta'ii jedhee qabatamaa kan in ta'iiniif fakkeenya kan godhee.
C. Kakuu Haaraatti keewati baay'een (Maati 24, Maar 13, Luqaa 17 fi 21, 1 fi 2 Tesoo akkasumas Mulata) waa'ee deebi'ee dhuufatti isaa dubbata. Keewatti kun cimsa kan laatan
   1. Dhugaan yeroo sirrii isaa hin baakamu ta'ichii garuu sirrii dha.
   2. Yeroo walii gala isaa beekuu in dandeenya, haa ta'uu malee yeroo adda ba'ee miti kan haala isaati.
   3. Innis akka tasaatii fi utuu in eegamin ta'a
   4. Nutti kadhataan kan guutamnee, qophaa'oo fi amanamoo ta'uutuu nurraa eegama, gocha nuuf kennaaman.
D. Asitti kan Ayaahoota (Paraadoksii) falmii xin-waaqummaa qaba, (1) Yeroo kamiti iyyuu indeebi'a (Luqa 12:40,46, 21:36, Maati 24:27, 44) fi (2) Dhugaan isaa haaloota tokko tokkoo seenaadhaan dirqamatti uumamuu qabuu kan jedhan giddutti.
E. Kakuu Haaraan deebi'ee dhufuu isaa fuula dura haalonni tokko tokkoo akka uumaman in teesisa
   1. Wangeelli addunya maraatti in lallabama (Maati 24:14, Mari 13:10_
   2. Ganuu isa guddaa (Maatii 24:10-13, 21, 1 Xiimoo 4:1, 2 Xiimoo 3:1, 2 Tessoo 2:3,)
   3. "Nama badii" mul'ata (Daani 7:23-26, 9:24-27, 2 Tesoo 2:3)
   4. Inni gufachiisuu dhabamsiifamuu (2 Teso 2:6-7)
   5. Haara'umsa Yihudootaa (Zakka 12:10, Room 11)
F. Luqa 17:26-37, Marriiqoosi wajjin wal cina in godhamne. Innis muraasa walitti qabaa wal cinaa Maatii 24:37-44 qaba

## MUL'ATA :12:13-17

**13Bineensi akka jawwee sun gara lafaatti akka gadi dargbatame yeroo beeketti, dubartittii ishee ilma deesse sana ari'achuutti in ka'e. 14Dubartittiin garuu boficha duraa gara lafa onaa, iddoo itti bara sadii fi walakaadhaaf waan ittiin jirasttu argattu sanatti, akka balaliituuf baalleen joobira guddichaa lama in kennamaniif*. 15Yommus bofichi, bishaan lola'ee akka dubartitti haree adeemuuf, dugda ishee duubaan bishaan akkuma isa laga yaa'utti afaan isaa keessaa duukaa gad naqe. 16Lafti garuu dubartittii**

**in gargaare; afaan bane laga isa bineensichi akka jawwee sun afaan isaa keessaa yaase gadi in dhuge. 17 Yommus bineensichi akka jawwee sun dubartittii sanatti aaree, sanyii ishee warra kaanitti lola kaasuu dhaqe; isaanis warra abboommii Waaqayyoo eeganii, isa Yesus dhugaa ba'ettis jabaatanii dha*.**

**12:13 "Dubartii"** ka'umsuma irraa "dubartii" eeruu kan danda'uu hawaasa amanaa kakuu moofaati, amma inni kan inni argisiisu kan kakuu haaraa saba Waaqayyooti (lakk. 17, 13:7). Fakkiwwan Sagalee kakuu haaraa irratti, fuula 6, A.T. Roobertsan "Isiraa'eel dhugaa lafa irratti" jechuun waama (fuula 395).

**12:14 "Dubartittidhaaf baallee joobira guddaa lama kennameef."** Isaan baalleen joobiraa kun eegumsa Waaqayyoof kennuu isaan fakkenyummaa dha (19:4, Kes. 32:11, Faru. 36:7, 57:1, 63:7, 90:1, 4, fi Isa. 40:31). Kun kan biraa kan eeru ta'a, ba'uu isa haaraadhaaf.

▣ **"Gara bakka isheeti gara lafa onaatti akka balaliitu"** lafti onaan kan inni mul'atu akka eegumsa hafuuraati, seenaa Isiraa'eelitti yeroo joormaati (lakk. 6). Kun jajjabina isa guddaa dha, waldaa kristaanaa ishee miidhamteef.

**12:15 "Bofichis bishaan lolaase"** kanaaf wal cinni wal qixa ta'ee hin jiru. Inni dheekamsa Waaqayyoo wajjin fakkiduu wal qabate ta'uu danda'a, Hose. 5:10 irratti yookaan gadi qabuu fi yeroo gaddaa ta'a, akka Faru. 18:4, 124:4-5. Ta'us garuu boqonnaa 12 kan durii baha dhihoo himtee uumamaa wajjin baay'ee kan murnaa waan ta'ef, inni argisiisuu kan inni danda'u raafama bishaaniiti, ka'umsa isaa irra kan turee kan gaarii fi hamaa, seeraa fi wal'aansoo burjaajii kan argisiisu.

Uumamni Baarooki fi Dibooraadhaaf loleeraaf, magaala Kana'anii fi kan ishee jeneerala loltuu Kasisaara wajjin: (1)roobni konkoolaataa isaanii dhaabe (Abo. 5:4) fi (2)urjoonni illee (humna ergamaa godhamanii kan yaadaman) Kasikaaraa wajjin wal lolaniiru (Abo. 5:20).

**12:17 "…sanyii ishee keessaa kan hafan waraanuuf deeme,"** hamichi hawaasa Masihii balleessuuf yaaleera

1. Masihiicha balleessuus
2. Haadha waldaa kiristaanaa balleessuuf
3. Warra Masihii duuka bu'an hundumaa balleessuudhaaf.

"Lola adeemsiisuuf " gaaleen jedhuu hafuuraaf, siyaasaa fi kan dinaagdee mormitootaa fakkiiduu dha. Kun kan Dan. 7:21 kan eeruu dha (11:7, 13:7). Ari'atamni kun waldaan kiristaanaa mo'icha isheen Kristoos irraa argate odeefannoo barbaachii dha (Fi. 1:28).

## GAAFFILLEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kun hiika yeroo ta'uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemuutu nurra jiraata. Hiiktootni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kanas deebiftee hiikaa irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Isaan gaaffilleewwan mare kun kan kennaman kutaa kitaaba kanaa dhimoota gurguddoo akka ta'utti akka qayyabatuu akka si gargaaruuf. Kana jechuun akka ta'uutti akka itti yaaduuf malee kana qofaan akka murtooftu miti.

1. Qabiyyee malakata torbafaa ibsi.
2. Mul'ata taboota kakuu, kana kan jaarraa tokkooffaa kiristaanoota akkamitti baay'ee akka isaan jajjabeessu ta'uu danda'ee?
3. Mul'ata 12 irra kan jirtuu dubartittiin eenyuu isheen?
4. Lolli samii kun kan inni banamuu yoomii dhaa?
5. Ergamoonni dabiloos diinoota wajjin akkamitti wali dhufuu?
6. "Baraaf, barootaaf, fi walakaa baraaf gaaleen jedhuu Daani'eelii fi Mul'ata irratti maal jechuu isaati?
7. Dubbifni kun jaarraa tokkooffaatti kiristaanoota ari'ataman akkamitti jajjabeessaa?

**QABIYYEE HAALA BARREEFAMAA MUL'ATA 13:1-18**

A. Boqonnaan 13 kan itti fufuu fakkeenya tureee dha kan 12:13-17.
B. Kitabaa kanaaf dubeessa kakuu moofaa Dan. 7 dha. Daani'eel irratti kan raajaman afran kan baha dhi'oo Impayiraa, kanaan kan walitti qabamee, karaa hundaan, mormituu Waaqayyoo, mootummaa bara dhumaa of keessatti qabateera.
C. Kan jaaraa tokkooffaa waaqeffanaan mooti (keessaa iyyuu, Eshiyaa xiqqootti) tokkoo raawwii kan seenaati waaqefannaa bineensichaa, dhuma barichaatti nama cubbuu akka ta'u hundumaa (2Tas. 2), fi kan Dan. 7 (lakk. 8, 11, 20, 25), gaanfa xiqqoo, innis hundee mootummaa afran keessaa ala, Room.
D. Bineensichi karoota lamaan mul'ateera
    1. Itti fufiinsa kan qabu, barumsa sobaa/barsiisaa(oota) (1Yoha. 2:18, 22, 4:3, 2Yoha. 7(.innis lamaanuu kan baay'eefi kan lakkoofsa qeenxeeti, lamaanuu kan ammaatii fi kan gara fuulduraa.
    2. Akka nama barbaachiisaa tokkootti, irra caalmaan himtee namoota hamootaa kan ta'ee, seenaa hundumaa irratti (Antikes, mootota Room, Hitileer, k.k.f…, ta'us garuu walitti qabaatti akka nama bara dhumaa, namoomsaa ta'eera 2Tas. 2:1-10).

## MATA DUREE ADDAA: MOOTUMMAA WAAQAA

**I.** Seensa
- A. Labsii__ mootummaan sabummaaf mataa isaa kan ijaaree dha, wantoota barbaachisoo kennuudhaa fi ulfeessuuf (jechuun, Uma. 4 fi 11). Namoonni uumama hawaasaati, kufaati dura illee Uma. 2:18). Maatiwwan, gosawwan, biyyoonni hawaasa nuuf kennu.
- B. Kaayyoo __ fedhi Waaqayyoo seera-qabeessuummaa kan hin qabnee caalaa seera qabeessummaa filata.
    1. Seeroota Musee, keessaa iyyuu aboomotni isaa hawaasa namaaf kan eyyamuu dha. Innis jireenyaa fi waaqefannaa wal madaalchiisa.
    2. Qulqulluun sagalee isaa caasefama mootummaa isa kamii degersa hin arganne, ammam illee kan durii warri Israa'eel mootummaa hafuuraa bifa samiin akka jiru yoo eegames. Diimokiraasis ta'ee kapitaalizimiin dhugaa kitaaba qulqulluu miti. Kristaanootni akka ta'utti deddeebi'uutu isaan irra jira, seera ittiin bulmaata mootummaa kami keessatti iyyuu mataa isaani yoo arganis. Kaayyoon kiristaanaa kan wangeelaa fi tajaajilaati malee waraaqsa miti. Mootummaan hundumtuu kan darbanii dha!
- C. Ka'umsa mootummaa namaa
    1. Kan Katoolokii Roomaa kan inni mirkaneessuu mootummaan namaa fedha uumamaati, kufaati dura illee. Aristootil dursa-yaadaa kana duraan kan mirkanneesse fakkaata. Inni kan inni jedhuu, "namni kan siyaasaa bineensa" fi asitti inni jechuu kan barbaaduu mootummaan "kan jiraatu jireenya gaarii guddisuuf."
    2. Kan Pirotestaanti, keessaa iyyuu Maartiin Luuterkan inni mirkanneessu mootummaan namaa kufaati booda kan argamee ta'uu isaati. Innis "mootummaa harka mirgaa Waaqayyoo" jechuudhaan waama. Inni kan inni jedhuu, "namoota hamoo to'achuudhaaf Waaqayyo karaa inni itti fayyadamu, namoonni hamoon akka to'ataman gochuudhaan."
    3. Karli Markis kan inni mirkaneessuu, mootummaa jechuun beektooni muraasni baay'ee toannoo ofi jala karaa isaan ittiin godhanii dha. Isiniif mootummaa fi amantaan gahee wal fakkaataa taphatu.

**II.** Wantoota kitaaba qulqulluu
- A. Kakuu moofaa
    1. Israa'eel samii irratti faayida irra kan oolu akkina. Kan Israa'eel durii mootiin Yaahiwwee ture. Teyokiraasi (mootummaa hafuuraa) jechi jedhuu kan Waaqayyoo bittaa kallatti ibsuudhaaf faayida irra kan oolee dha (1Sam. 8:4-9).
    2. Olaantummaan Waaqayyoo mootummaa namootaa irratti ifatti mul'ata, isaaniin muuduudhaaf
        a. Moototni hundumtuu Dan. 2:21, 4:17, 24-25
        b. Mo'uu Masihii, Dan. 2:44-45
        c. Naabukadinaastoor (Babiiloon ishee haaraa), Erm. 27:6, Dan. 5:28
        d. Siraas II (Faaris), 2Sen. 36:22, Iz. 1:1, Isa. 44:28, 45:1

3. Namootni Waaqayyoo kan bitamanii fi kabajan ta'uutu irra jiraata, mootumoota miidhanii fi orma ta'aanif illee:
    a. Dan. 1-4, Nabukadeenastoor (Baabiloon ishee haaraa)
    b. Dan. 5, Bilxaasor (Baabilon ishee haaraa)
    c. Dan. 6, Daariyoos (Faaris)
    d. Iziraa fi Nahimiyaa (Faaris)
4. Kan deebi'ee bittaaYihuudaa Sireesi fi sanyiwwan isaaf akka kadhatu aboomeera
    a. Iz. 6:10, 7:23
    b. Warri Yihuudii abooti taayitaa Siviiliif akka kadhatuu aboomeera, Mishinahi, Ashoot. 3:2

B. Kakuu haaraa
1. Yesus mootummaa namootaaf ulfina argisiiseera
    a. Mat. 17:24-27, gibira mana qulqullichaa kafaleera (kan amantaa fi hojii siivili abooti taayitaa tokko jechuu dha 1Phex. 2:17)
    b. Mat. 22:15-22, Mar. 12:13-17, Luq. 20:20-26, Roomiif gibira kafaluu fudhateera achitis abbooti taayitaa Siviili Roomeef
    c. Yohannis 19:11, Waaqayyoo abbootiin taayitaa Siviili akka hojjetan heyyameera
2. Jecha Phaawuloos, mootummaa namootaa wajjin kan wal qabatan
    a. Roome. 13:1-5, amantootni abbooti taayitaa siviliif akka bitaman, Waaqayyoodhaan kan dibaman ta'uu isaaniin
    b. Roome. 13:6-7, amantootni gibira kafaluutu irra jira akka sumas abbooti taayitaa kabajuu
    c. 1Xim. 2:1-3, amantootni abbooti taayitaaf kadhachuutu irra jiraata
    d. Tiito 3:1, amantootni abbooti taayitaa siviliif aboomamuutu irra jiraata
3. Jecha Pheexiros mootummaa namootaa wajjin kan wal qabatan
    a. HoE. 4:1-31, 5:29, Pheexiroosi fi Yohaannis mana mare Yihuudi duratti (kun kan inni argisiisu kan kitaaba qulqulluu seera siiviliti waa'ee aboomamuu dhiisuu)
    b. 1Phex. 2:13-17, amantootni abooti taayitaa siviliif bitamuutu isaan irra jiraata, fayyummaa hawaasichaa kan wangeelaatiif
4. Jechooni Yohaannis mootummaa namootaa wajjin kan wal qabatan
    a. Kan Mul'ata 17, Baabiloon isheen ejjituun mootummaa namaati kan isheen bakka buutu, Waaqayyo irraa adda ba'ee kan caaseefamee fi kan hojjetemu
    b. Mul'ata 18, Baabiloon isheen eejituun ni kufte

**III.** Walitti qabaatti

A. Mootummaan namaa (biyya lafaa kufee) aboomii Waaqayyootiin kan dhaabatee dha. Kun "mirga hafuuraa moototaa" miti, ta'us garuu hojii hafuuraa mootummaati,. Wanta akkamii iyyuu yoo ta'ee kan biraan ol ta'uu hin danda'u.
B. Amantootaaf hoji irra oolchuu amantaati, abootiin taayitaa akka aboomamanii fi kadhataniif
C. Amntootni mootummaa namaatiif gibira kaffaluutu isaan jiraata, kabaja barbaachiisaa wajjin.
D. Mootummaan namaa .abooti taayita seera sivilii kabajisuun kaayyoo isaati. Isaan gocha kanaaf tajaajiltoota Waaqayyooti.
E. Mootummaan namootaa galma isa dhumaa miti. Aangoon isaa kan daangeefamee dha. Amantootni sammuu isaaniif jedhani hojjettu isaan irra jiraata, abooti taayitaa sivili fudhachuu dhiisuun, muudama hafuuraa daangeesuun yeroo darbuuti. Awugistiin magaalaa Waaqayyooti akka mirkaneesse, lammii biyya lamanuuti inni tokkoo kan yeroofi kan biraan kan bara baraa (Fil.3:20). Lammanuutiif itti gaaffatamummaan nurra jira, ta'us garuu mootummaa Waaqayyootiif galma isa xumuraati! Gosi lammanuu, nama dhuunfaas ta'ee xiyyaafannaan walitti qabamee itti gaaffatamummaa Waaqayyotu nurra jira.
F. Amantoota jajjabeesuutu nurra jiraata, seera dimookiraasiif, adeemsa mootummaati fi damaqinaan hojii irra oolchuu yoo danda'amees barnoota qulqulluu sagalee isaan.
G. Jijjirama hawaasaatiin fuulldura jijjiramuutu dursa. Mootummaa irratti kan gosa kamii iyyuu amansiisaa kan ta'ee abdii raawwii hin qabu. Mootumaan namootaa hundumtuu Waaqayyoon kan heyyamamanii fi faayida irra yoo oolanis, labsii cubbuu hojjiwwan namaati, Waaqayyo irraa kan fagaatan. Yaad-rimeen kun Johaniin "biyya lafaa" jecha jedhu fayyadama irratti ibsameera (1Yoha. 2:15-17).

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

## MUL'ATA 13:1-6

**12:18Bineensichi sun immoo cirracha galaanaa irra in dhaabate.13:1Kana boodee immoo bineensi tokko galaana keessaa utuu bahuu nan arge, bineensichis gaanfa kudhanii fi mataa torba, gaanfa isaa irratti waan akka gonfoo kudhan, mataa isaa torban irrattis maqaa ulfinaa, Waaqayyoon arabsuudhaaf kennaman qaba ture*. 2Bineensi ani arge qeeransa in fakkaata ture, miilli isaa akka miilla amaaketaa ti, afaan isaas akka afaan leencaati, bineensi akka jawwee sunis humna isaa, teessoo isaa, aboo isaa isa guddaas bineensichaaf in kenne*. 3Mataa isaa torban keessaa inni tokko hamma du'aatti waan madaa'e in fakkaata; rukkutaan du'aan ga'u sunnis deebi'ee fayyee ture. Namoonni guutummaa biyya lafaa dinqifatanii yaadaan bineensicha duukaa bu'an *. 4Bineensicha isa kanaaf iyyuu aboo kan kenneef bineensa akka jawwee sana waan ta'eef, namoonni isaaf in sagadan; akkasuma immoo bineensa isa kaaniif sagadanii, "Eenytu akka bineensa kanaa ta'aa? Eenyutu bineensicha loluu danda'aa?" jedhan. 5 Dubbii gurratti guddaa fakkaatuu fi Waaqayyoon kan arrabsu dubbachuudhaaf afaan in kennameef; ji'a afurtamii lamaaf kana gochuudhaaf aboon in kennameef*. 6Yemmus bishaanichi Waaqayyo irratti arabsoo dubbachuudhaaf maqaa Waaqayyoo iddoo buufata isaa, warra waaqa keessaa isa bira buufatanis arabsuudhaaf afaan isaa in bane.**

**13:1 "Jawwichis bishaan cirrachaa irra ni dhaabate"** NASB, NKJV fi NJB boqonnaan 13 kan inni jalqabuu gaalee kanaan (jechuun, 12:18), TEVn immoo kan inni of keessatti qabatuu boqonnaa 12 of keessatti qabateeti.

Garaagarumaan barreefamaa jira 12:18/13:1 irra kan jedje "dhaabateera" kan jedhu gochama wajjin kan wal qabate

1. "Dhaabateera" kan inni argisiisuu bineensicha/jawwicha dha, innis boqonnaa 12___ MSS p[47], ℵ,A,C, (NASBA, NRSV, TEV, REB, NET NIV)
2. "Dhaabadheera" kan inni argisiisuu Yohaannis dha, innis gara fuulduraatti boqonnaa 13 wajjin kan walitti dhufu MSS, P, 046, 051 (NKJV, NJB)

UBS4fillannoo lakk.l "b" sadarkaa kennaafguutuu guutuuti amansiisaa)

"Gaalanichi" tarii kan Dan. 7:2-3 kan eeru ta'a. innis fakkeenyummaan isaa

1. Ijoollee namootaa wali galatti (Isa. 17:12-13, 57:20, Mul.17:15)
2. Humnawwan burjaajii (Uma. 1, Isa. 51:9-10)

▣ **"Bineensi tokkoo galaana keessaa yeroo ba'uun arge,"** bineensa bosonaa (13:14, 15, 15:2, 16:13, 15:8) duraan dursamee ilaalcha malee kan eerame 11:7 irratti boola gadii fagoo keessaa akka ba'uu (17:8) dha. Innis kan inni eeruu "mormituu Kristoos" dha, kan 1Yoha. 2:18a, 22, 4:3, 2Yoha lakk. 7, dabalataanis "nama hameenyaa" jedhamuun beekama 2Tas. 2:3. Ibsi walfakkaataan bineensa kanaa 12:3 fi 17:3, 8 irratti argama.

"Galaana keessaa ba'ee" jechi jedhuu gaaleen karaa baay'eedhaan hiikama.

1. Akkuma jirutti , akka keessoo kakuu og-barruu Apokilaaptikii Yihuudi akka leewotaan fi lakk. 11 irratti akka Beheemot
2. Akka Dan. 7 waabi, bineensichi galaana keessaa kan ittiin ba'uu, lakk. 3 irratti fi lafa irratti kan inni ittiin ba'uu lakk. 17, kunis Dan.7 wajjin wal fakkaataa kan inni ta'uu, ta'us garuu Yohaannis bineensoota warra dhumaa adda baasaniiru, gara lamaan warra adda addaa baroota dhumaa warra hamoota amala isaanii : bineensa galaanaa, lakk. 1 fi bineensa lafaa lakk. 11
3. Fakkeennoo nama kufee (keessaa iyyuu Mul. 17:15, garuu immoo Dan. 7:2-3, Isa. 17:12-13, 57:20)

Boqonnaa 13 irratti bineensoonni lammanuu galaana keessaa fi lafa keessaa akka bahan sababa inni eerameef (1)boqonnaan kun Dani. 7 baay'ee kan duuka bu'uu dha, yookaan (2)inni walin make guutummaa biyya lafaa waan bakka bu'aniif. Dabalataanis ta'uu kan danda'u isaan bineensoota lamaan kana fi seexanni irra dhaabee kan sadan (sadan tokkummaa) hamaa fakkaachuu godhu.

▣ **"Gaanfa kudhanii fi mataa torba qaba ture, gaanfa isaa irrattis gonfoo torba"** kun dhugumatti jawwicha miti (12:3) ta'us garuu inni baay'ee fakkaata (17:3, 7-12). Gaanfonni kurnan kan isaan dubbatan humna guutuu ta'eedha, mataawwan torban kan isaan bakka bu'an ibsa guutuu isa hamaati, fi gonfoowwan kurnan kan isaan mirkaneesssan mooti ta'uu dha. Inni hamaan yeroo hundumaa gaarii kan falleessuu dha. Kun isa jalqabaa baay'ee Kristoosiin fakkaachuuti.

▣ **"Maqaa arabsoo"** barreefamonni Girikii wal qixatti qoodameera, karaa baay'een (MS A) "maqaawwan" (NRSV, NJB) fi qeenxee (MSS $P^{47}$, ℵ, C, P) "maqaa" (NKJV, TEV). UBS[4] isa kamtuu isa caaluu akka ta'ee murteessuu hin dandeenye. Dhugaa kam yoo ta'ee, kun kan Dan. 7:8, 11, 20, 25 yookaan 11:36 kan eeruu ta'u ifa dha. Isaan maqaan dheekamsaa kun kan isaan wal qabatan (1) Kan hafuuraa naaf ta'a yookaan (2)ittiin waamama hamaa dha (17:3).

**13:2 "Bineensi ani argee qeeransa fakkaata ture….amaakeeta… leenca"** kun wal makiinsa bineensoota baay'eeti, kan eeru kan biraan, Dan. 7:4, 5, 6, innis duraa fi aantee mootootaa kan ibsu, isaan kun garuu fakkeenyummaan isaani jijjirameera, gara mormitoota Waaqayyoo seera biyya lafaatti wal makaa, innis geggeessa tokkoon namoomsa kan ta'ee (Dan. 7:24).

▣ **"Jawwichis humna fi teessoo isaa taayitaa guddaa kenne"** kun kan 2Tas. 2:9 wal cinaa dha, innis waa'ee yaada hafuuraan liqimfamuu humna seexanaa kan dubbatu. Bineensichi seexana miti, ta'us garuu uumamaa ol humna ta'een kan guutamee labsii namaa yookaan foon isaa uffachuun dha (lakk. 4:12). Kunis Kiristoos kan biraan kan wal fakkeesuu dha (5:6).

**13:3 "Mataa isaa keessaas tokko akka du'ee ta'ee kan biraa ilaale,"** kun keeyata raawwii xumurameeti, innis haala seer-lugaan hoolicha irraa 5:6 irratti kan jiru wal cina kan ta'e. kun kan biraa du'aa fi du'aa ka'uu Yesus kan wal fakkeessuu dha.

▣ **"Du'aaf waan madaa'ee kan ta'ee irraas ni fayye."** Seexanni nama kana kaasuudhaaf dandeetti ni qabaataa, yookaan kun walin dha'uu, dha'icha, fi fakkeesuu dha (13:15)? Seexanni humna Waaqayyo fakkeesisa, Kristoosiin akka kaasise.

Kun kan seenaa kan eeru ta'a, "himtee Neeroof" innis kan inni mirkaneessuu Neeroon debi'ee gara jireenyaatti akka deebi'uu dha, jedhes isa guddaa loltuu warra bhaa wajjin deebi'ee dhufa. (Warra Fariisootaa), fi Roomee ni miidha (himteewwan Sibili, kitaaba III-V).

▣ **"Guutummaan biyya lafaaf bineensicha duukaa bu'ee ajaa'ibsifate,"** seexannii dinqaa dinqii fayyadama, biyya lafaa hin amannee amansiisuuf, isa duukaa akka bu'u (Mat. 24:24, Mar. 13:22, 2Tas. 2:9, Mul. 13:5, 17:8), kunis Kristoos kan biraa duukaa akka bu'u fakkeessuuf. Lafti humna dhuga-baatiin ajaa'ibsifateera, Mul. 11:13 irratti, ammas amanamuu dhabuun isaanii ni mul'ata, bineensicha waaqessuu isaaniin.

**13:4 "Jawwichaafis in sagadan….bineensichaafis ni sagadan"** yaada isa hamaa taayitaa siyaasa qofaaf miti, garuu waqqfannaa amantaatis malee (lakk. 8). Seexanni waaqefannaa barbaada (13:12, 14:9, 11, 16:2, 19:20, Mat. 4:8-9). Akka Waaqayyoo ta'uu barbaada (Isa. 14:12-15). Shakkii tokko malee kun kan inni walitti dhufuu sobuu bofichaa wajjini Uma. 3:5 fi Mat. 4:9, Luq. 4:5-7.

▣ **"Bineensicha maaltu isa fakkaata,"** gaalee kanaaf kan yaadamuu qaban argama saditu jiru. Tokko tokko kan isaan ilaalan akka

1. Ittiin waamama Yaahiwwee fakkeessuudhaani dha, (Bau. 35:10, 113:4

2. Yaahiwwee fakkeesuudhaan, (Bau. 15:11, Faru. 35:10, 113:4
3. Kan Leewotaan Biheemootiin kan eeru, og-barruu Apokilaaptiki Yihudiin (fakkeenya tokko kakuu moofaa Iyo. 41, keessaa iyyuu lakk.33-34)

**13:5** lakk. 5-7 fi 14-15 gochamni hoji irra oolaan baay'een jiru, isaan eyyamni kan kenname seexanaan akka ta'e kan argisiisan, walumaa galatti Waaqayyoon (Iyoob). Waaqayyo seexana kaayyoo mataa isaaf itti fayyadama! Hamichis yaada mataa isaa fi gochaan mul'ata.

▣ **"Jecha oftuulummaa afaan dubbatu"** kun kan inni eeru:

1. "bineensichi" Dan. 7:8, 11, 20, 25, 11:36
2. Antikes IV Ipifanes Dan. 8, 1Maqabiyaa 1:24
3. "Nama cubbuu" 2Tas. 2:4
4. Hafuura hamaa badiisaa Mat. 24:25, inis wereerama Yerusaaleemii fi badiisa kan eerani dha, jeneralaa Roomeen, booda irratti mooti kan ta'e, Tiitoo bara haraaraa 70.

Kun fakkeenya gaarii dha, kan fakkeennoo kanaa xiyyafannaa seenaa jijjiruun isaa. Dan. 8 irratti kan ilaalatuu Yerusaalemiin balleessuu dha, bara haraaraa 70 fi Dan. 7 (fi akkasumas 11:36-39) inni kan inni argisiisuukan bara dhumaa gocha mormituu Kristoos.

▣ **"Ji'a afurtamii lamaaf akka hojjetu"** kun kan Dan. 7:25 kallatiin kan eeruu dha. Inni duraan kan eerame 11:2-3 irratti dha. Inni bara ari'atamuu fakkiduu eeruu dha. Mata duree addaa 11:2 fi 12:6 irr Kn jiru yaadannoo ilaali.

**13:6 "Arabsuudhaaf afaan isaa banate"** lakkoofsa kana irratti yookaan arabsoo sadii maqaa Waaqayyootiin, mana qulqulluummaa Waaqayyoo, fi saba Waaqayyoo irratti jedhe. Inni kan inni murteessuu tokkoogaalee Girikii kana akkamitti akka hiikamuu dha.

## MUL'ATA : 13:7-10

**7Warra Waaqayyoof qulqullaa'aan lolee isaan mo'unis in kennameef gosa hundumaa irratti,nama hundumaa irratti, afaan hundumaa irratti, saba hundumaa irrattis aboon in kennameef *. 8 Warra lafa irra jiraatan keessaa, uumamu biyya lafaati jalqabee maqaan isaanii macaafa hoolicha qalamee, isa warri jireenya argachuuf jiran irratti argachuuf jiran keessatti caafaman irratti hin argamne hundinuu, bineensichaaf sagaduuf jiru.* 9Namni gurra qabu haa dhaga'u*. 10Namni booji'amuuf jiru, booji'amuun isaa hin oolu; namni billaadhaan ajjeefamuuf jiru, billaadhaan ajjeefamuun isaa hin oolu; kana keessatti obsaan danda'uunii fi amntiin warra Waaqayyoof qulqullaa'anii, in barbaadama*.**

**13:3 "Qulqulloota akka waraanuuf akka mo'aniifis in kenname,"** kun kan gocha raawwii kan argisiisuu fi kan gocha ammaa kan hin murtoofne dha. Tokkummaan sagalee raawwiichaa, Waaqayyo kun akka fiduu heyyamuu isaati. Kana booda kan jiru hundumaa hin hubannu, ta'us garuu kitaaba mul'ataa irraa ifaa akka ta'e, Waaqayyoo seenaa hundumaa akka to'atuu dha. Innis qulqulloota isaa irratti lola ta'u Dan. 7:21, 25 irratti eerameera. Inni kan inni argisiisuu du'aa qaamaa saba Waaqayyooti. Dinni akka mo'ee yeroo itti fakkaatu tureera (akka Qaraaniyoo), ta'us garuu Mul'ataa fi daani'eel kan isaan barsiisan mo'ichi kun yeroo gabaabaan ta'uu isaati! Sabni Waaqayyoo dheekamsa Waaqayyoo irraa akka eegaman hubadhaa, garuu bineensicha irraa fi dheekamsa warra isa duuka bu'anii osoo hin taane. Waaqayyo, inni hamaan kan wali gala mo'icha akka argatu ni hiyyama, yaada isaa dhugaatii fi uumama ibsuudhaaf.

▣ **"Qulqulloota"** mata duree addaa 5:8 irratti ilaali.

▣ **"gosa hundumaa irratti,nama hundumaa irratti, afaan hundumaa irratti, saba hundumaa irrattis aboon in kennameef."** Gaaleen kun kan inni argisiisu (1)Mul'atni hiikamuun kan irra jiru bifaa bal'aa ta'eenii dha, Impahira Roomaa qofaa osoo hin taane, as irraa waan hundi isaa, gaalee wali gala irraa kan ka'ee yookaan (2) kun kan inni argisiisu Ipahira bal'aa tibba of keessatti qabatee dha.

**13:8 "Lafa irra kan jiraatan hundumtuu"** kun kan gaalee irra deddeebi'ee dha, Mul'ata irratti, warra hin amaniin kan argisiisu (3:10, 6:10, 8:13, 11:10, 13:8, 12, 14, 17:8).

▣ **"Uumamuu biyya lafaati jalqabee hoolaa qalameen kitaaba jireenyaa irratti maqaan isaanii kan hin barreefamne lafa irra kan jiraatan hundumaa"** haala seer-lugaan amansiisaa miti, gaaleen kun "uumamu lafaati jalqabee" fudhachuu kan danda'u (1) "Maqaan keenya barreefameera" (RSV, NRSV, TEV, NJB fi 17:8, Efe. 1:4) yookaan (2) "Hoolicha qalameen" (KJV, NKJV fi 1Phex. 1:19-20). Barreefama kanaa fi kan 17:8 duraa duuba jechaa kan argisiisuu tarii gaalichi kan inni mul'isuu maqaa amantootaa kitaaba jireenyaa uumamaan dura barreefamuu isaati!

"Uumamuu biyya lafaa irraa kaasee" gaaleen jedhuu yeroo baay'ee kakuu haaraatti faayidaa irra ooleera (Mat. 25:34, Yoha. 17:24, Efe. 1:4, 1Phex. 1:19-20). Dabalataanis gaalee baay'ee wal fakkaataa Mat. 13:35, Luq. 11:50, Ib. 4:3, 9:26 fi Mul. 17:8. Kan gaaleewwan wal makaa kanaa kan inni argisiisu gocha furuu Waaqayyoo uumamu biyya lafaa dura. Amantootni Kristoosiin eegamaniiru (7:4, 11:1, 13:8).inni hamaan Waaqa isa jiraataaf murteefameera (boqonnaa kana keessa gochamni gochaa jiran lakkoofsaa fi daangeefama yeroo). Innis ilaalcha yeroo gabaabaan gadhee fakkaata, ta'us garuu fakki guddaa ilaali!

▣ **"Kitaaba jireenyaa"** Dan. 7:10 fi mul. 20:22-15 kan nu hubannu kitaabni fakkiidu lama jiraachuu dha, ga'umsa mucaa namaa wajjin kan wal qabatee kan eeraman:

1. Kitaabni jireenyaa, innis dhuunfaa isaaniti Waaqayyoon kan beekan maqaawwan kan qabate (kakuu moofaa) kanaaf Kristoosiin kan fudhatan (kakuu haaraa) [Bau. 32:32-33, Faru. 69:28, Dan.12:1, Isa. 4:3, 34:16, Luq. 10:20, Fil. 4:3, Ib.12:23, Mul. 13:8, 17:8, 20:15, 12:27]
2. Kitaaba hojjiwwan mucaa namaa, innis gochawwaan mucaa namaa kan galmeesse, bifa sirriidhaanis ta'ee alta'aan (Faru. 56:8, 139:8, 139:16, Isa. 65:6, Mil. 3:16)

Isaan kun fakkiduu ta'uun isaani ifaa dha, ta'us garuu dhugumatti kan isaan ibsan, Waaqayyo kan isaa kan ta'an beekuu isaa fi isa kan hin fudhanne itti gaaffatamummaan qabuu isaati (Gal. 6.7).

▣ **"Kan qalame"** 5:12 irra kan jiru yaadannoo ilaali.

**13:9 "Gurra kan qabu yoo jiraatee ha dhaga'u"** kun qabatama irra deddeebi'amee dha, ergaa kana irratti , waldaa kiristaanaa torbaniif (2:7, 17, 3:6, 133, 22). Inni akka gaaleewwan kan biraa , lakk. 9-10 irratti akka jiraniti, ramaddii tokkooffaan himaa haalaati, innis akka kaayyoo barreefamaati sirridha jedhamee kan tilmaamamu. Isaan gaaleewwan kun waldaa kiristaanatti wajjin kan walitti dhufu dhugaa kan argisiisu kan fakkaatu gaaleen itti aanuu (lakk. 10) immoo saba Waaqayyoo argisiisuu isaati.

**13:10 lakk.** Kun Erm. 15:2 yookaan 43:11, kan eeru ta'a, innis waa'ee firdii Waaqayyoo kan dubbatu. Barreefamni baay'een adda addaa Girikii "ajjeessuu" gocha jedhuu wajjin wal qabatu. Kun kan gaalee kanaa kan adda ta'e hiika ingilliffaa adda ta'ee qabachuuf sababa ta'eera.

1. KJV fi NKJV isaan gaaleewwan lamaan ari'atama saba Waaqayyoo wajjin wal qabsiisa.
2. RSV fi NRSV gaalee jalqabaa kiristaanoota ari'ataman wajjin wal qabsiisee gaalee lammaffaa Waaqayyoon mormitoota ari'atan wajjin wal qabsiisa.
3. Sadaffaan yaadamuu kan qaban hiika (TEV fi NJB) gaaleen lammanuu kan isaan argisiisan kiristaanoota ari'atamanii dha.

Hiika irratti garaagarummaa baay'ee guddaa jiraachuu kan argisiisuu dhugaa sirriin jiraachuu dhiisuu isaati. Inni dhugumatti jireenya hafuuraati, Waaqayyo akkamitti seenaa akka to'atu. Gaaleen gaaffi qofaan isaa eenyuuf akka ilaalatee dha.

1. Kristaanoota jajjabeessuudhaaf, amanamoo ta'anii akka argaman (Mat. 26:52, Fil. 1:28)
2. Warra ari'atan, guyyaa tokkoo fuula Waaqayyoo duratti dhaabbatanii waa'ee fillannoo isaanittii fi gocha isaaniif deebi akka kennan isiniif ibsuu?

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Obsaa fi amantii qulqullootaa asin"** |
| **NKJV** | **"Obsaa fi amantii qulqullootaa asin"** |
| **NRSV** | **"Waamamuun qulqullootaa obsaa fi amantiin asin"** |
| **TEV** | **"Waamamuun saba Waaqayyoo obsaa fi amantiin asiin"** |
| **NJB** | **"Qulqullootni obsaa fi amantii kan isaan qabaatan asiin"** |

Lakk. 9 fi dhuma lakk. 10 kan argisiisu gaaleen kun dhuma kan argisiisuu dirqamatti ilaaluun kan irra jiru saba Waaqayyooti (Mat. 26:52). Lakkoofsi kun immoo kan inni ibsuu qulqulloota dhugaati (14:12, 12:11, 17). Hanga dhumaatti jabaatani akka qabatan ni jajjabeefamu (2:3, 7, 11, 17, 26, 3:5, 12, 21, 21:7). Obsi fayyummaa dhugaaf ragaa dha (1Yoha. 2:19). 2:2 irratti kan jiru yaadannoo fi mata duree addaa ilaali.

## MUL'ATA :13:11-18

**11Kana malees bineensa lafa keessaa ba'u biraa tokko nan arge, akka hoolaa gaanfa lama qaba, akkuma bineensa akka jawwee sanas in dubbata ture. 12Bineensi inni lammaffaan kunis aboo bineensi inni duraa qaba ture hundumaan, isuma duratti in hojjeta, biyyi lafaa, warri isa keessa jiraatanis bineensa isa duraa, isa rukuttaan du'aan ga'u deebi'ee fayyeef sanaaf, akka sagadan in godha. 13Inni milikkita gurguddaa in argisiisa, ibidda iyyuu ija namootaa duratti waaqa keessaa lafatti gad in buusa. 14 Milikkita bineensa isa duraa sana duratti akka inni argisiisuuf kennameef sanaan, warra lafa irra jiraatan sana wallaalchisa, warra biyya lafaa irra jiraatan sana wallaalchisuudhaafis, bifa fakkeenya bineensichaa billaadhaan rukutamee deebi'ee jiraatee, waaqeessuudhaaf akka tolfatan isaanitti in hima. 15Bifa fakkeenya bineensa isaa duraa sanatti lubbuu itti gochuun, bineensa isa lammaffaa sanaaf kennamee ture, kana irraa kan ka'es bifni fakkeeenya bineensichaa kun dubbachuu iyyuu danda'ee, hammi isaaf hin saganne akka ajjeefaman in godhe. 16Bineensichi namni hundinuu, xinnaan, guddaan, sooressi, hiyyeessi, birmaduun, garbis harka mirgaa irratti yookiis adda irratti gubaa akka qabaatu in gochisiisa*. 17Kana gochuun isaas namni gubaa bineensicha isa duraa, isa maqaa isaa yookiis lakkoofsa maqaa saa argisiisu of irraa yoo qabaate malee, bituus gurguruus akka hin dandeenyeef. 18Kana keessatti ogummaan in barbaadama; lakkoofsi kun maqaa namaatiif waan dhaabatuuf, namni sammuu qabu lakkoobsicha lakkaa'ee bira ga'uu ni danda'a; lakkoobsi isaa immoo dhibba ja'aa fi jaatamii ja'a.**

**13:11 Biineensi kan biraan lafa keessaa yeroo ba'uun arge,"** kun kan Dan. 7:17 kan eeruu dha. Baay'een kan isaan eeran isaan bineensoonni lamaan kun dhuga-batoota Waaqayyoo lamaaniif kan wal fakkeessanii dha, 11:13-14 irratti, kan biraan immoo kan isaan tilmaaman jawwichii fi bineensoonni lamaan kan sadan Waaqa tokkootti fakkeefamanii dha.

Galaana keessaa bineensa ba'ee Leewotaan kan eeruu akka ta'e (Iyo. 41:1-34) kan durii bishaan irratti itti gaaffatamaa, akkasumas bineensi lafa keessaa 'ba'ee Bihemootiin kan eeruu dha (Iyo. 40:15-24), kana biraan bineensichi lafaa (kana karaa kamiinuu Dayinosersii hin argisiisu, garuu himtee durii bahaati malee).

Isaan bineensoonni kun kan isa hamaa (burjaaji) kan bakka bu'anii dha, kanaaf Waaqayyo kan uume seera irratti fincileera (Far. 74:12-14, Iyo. 3:8, Isa. 51:9-11, Amos. 9:3). Yeroo tokko tokko Leewotan, Rahaab jedhamee waamama, ("inni jal'aan" jechuun, bofni, Isa. 51:9). Bakkawwan kan biraatti Rahaab maqaa Gibxiiti (Abaayi, jechuun isa jal'aa bishaan, Far. 87:4, Isa. 30:7 fi akkasumas Hizqeel 32, keessaa iyyuu lakk. 2-3).

▣ **"Gaanfawwan hoolaa kan fakkaatan gaanfonni lamas turaniiru akka jawwees dubbachaa ture."** Eeramuun hoolichaa ifaa kan ta'e Kristoos irraa kan fudhatamee dha (5:6). Sagaleen isaa fi/yookaan ergichi amala isaa isa dhugaa ni mul'isa. Booda irratti mul'ata irratti bineensi inni lammaffaan yeroo hundaa kan inni eeramuu akka raajii sobduuti (16:13, 19:20, 20:10). Ulfina mataa isaa hin barbaadu, ta'us garuu addunyaa keessaa filata, bineensichaaf akka sagadan (lakk. 12). Kunis hojii hafuura qulqulluu fakkeessuu dha (Yoha. 14-16) Kristoosiin beeksisuudhaan. Kanaaf kan hin qulqulloofne sadan tokkummaa (sadan tokkummaa) qabna.

1. Seexani akka Waaqayyo abbaatti fakkeessuu
2. Bineensa galaanaa akka Waaqayyoo ilmaati fakkeessuu
3. Bineensa lafaa akka Waaqayyoo hafuura qulqulluutti fakkeessuu

**13:13 "MAllattoowwan gurguddoo ni hojjeta."** Kun kan gochama yeroo ammaati, hiiki isaas waan ajaa'ibaa gochuun itti fufa. Inni kan inni eeguu, barsiisoota sobaa bara dhumaa waan ajaa'ibaa gochuu akka danda'anii fi warra filataman illee akka dogogorsan yoo ta'u, sun kan ta'u yoo ta'ee (Mat. 24:24,

Mar. 13:22, 2Tas.2:9-11, Didache 16:3, 4). Dinqiin kan Waaqayyoo mallattoowwan yeroo ammaa miti (Bau. 7:8-13). Kunis tajaajila Kristoosiin kan biraa wal fakkeessuu dha.

▣ **"Abidda illee samii irraa gara lafaatti fuula namaa duratti amma buusuutti"** "madaa" jechi jedhuu *plēge*, 13:3, 12, 14) yeroo hundumaa kan hiikamu "dha'icha" kan jedhuu dha, mul'ata irratti (9:18, 20, 11:6, 15:1, 6, 8, 16:9, 21, 18:4, 8, 21:9, 22:18). NRSV yaadannoo miila jalaa kan qabate

1. Lakk. 3 "warra du'aniif madaa ta'u"
2. Lakk. 12 "warra du'aniif madaa ta'u"
3. Lakk. 14 "kan irra ga'ee madaa billaa"

Kan hiika kanaa hiika yaada barumsa hafuuraa nama mormituu Kristoos ta'uu dhiisuu isaati, ta'us garuu seera biyya lafaati malee. Jechi isaa fakkiduun faayidaa irra oolu danda'a. "Rukutaa hin yaadamne" yookaan dha'icha (BAGD, fuula. 674), ta'us garuu kan isaa hiika hundee rukutaa yookaan madaa dha.

Gaaleen cinaan "gara jireenyaatti deebi'ee" kan inni argisiisu "dha'icha" hiika fooyya'eeta'uu dhiisuu isaati, lakkoofsowwan kanaf, bineensicha wajjin kan wal qabatee. Kan bara dhumaa mormitoota Waaqayyoo mormitoota Kristoos yaada, saboota fincilaaf kan geggeessuu raajameera, kakuu moofaatti His. 38-39, Zakk. 14, Dan. 7:21-27, 9:24-27, 11:36-39 fi keessoo kakuu og-barruu Apokilaptikii, himtee Sibililini, kitaaba III, IV Isdiras 5.4, 6 fi Apokilaptiki Baarok XL, fi kan kakuu haara, 2Tas. 2:3, 8-9.

**13:15 "Fakkin bineensichaa hafuurri akka kennamuuf kenname."** Bakki kan biraan kun lafa keessaa bineensa ba'ee raajii sobaa jedhamee waamama (16:13, 19:20, 20:10). Kun tarii fakkiduu jireenya kennuu ta'uu danda'a (jechuun, Ibirootaan ruah (Ruhi) = hafuura) haroomsaaf (His. 37).

**13:16 "Harka isaanii mirgaan yookaan adda isaanitti mallattoo akka fudhatan,"** qulqullootni mallattoo Waaqayyo akka isaanitti godhame 7:3 (13:16, 14:9), hameenyi kanaa gocha Waaqayyo fakkeessuun ofii isaa mallattoo godha. Jechi Girikii kan inni argisiisu mallattoo bimneeldaa yokaan kan maxanfamee sanada mootummaati. Bakka mallattichaa irraa kan ka'e, tokko tokkoo kan isaan yaadan, inni kan ture

1. Mallattoo Yihudii (Bau. 6:8)
2. Kan jaarraa tokkooffaa aadaa Roomaa wajjin kan wal qabatu, balbalawwan maqaa warra isaan bulchanitti mallattoon godhamaa kan ture
3. Loltootni ulfinaa generalaa isaaniif kan isaan tumataniif

**13:17** mallattoon bineensichaa kan inni wal qabatu nyaata bituu irraa, fi akkasumas hojjiitti ramadamuu wajjin. Sabni Waaqayyoo qasasama dinaagdee kana jalaa hin eegaman.

**13:17-18 "Lakkoofsa namaa"** qooqqni warra durii kan qubeewwan isaanii qubee tajaajila lakkoofsaatiif itti fayyadamaa ture. Akka dubbifamaa Ibirootaa maqaa Yesuusiif 888 ni dabalu (himtee Sibili 1.324), kanaaf maqaan bineensichaa, bara dhumaatti foon seexanaa uffachuun, 666 itti dabalama. Jaha lakkoofsa guutuu lakkoofsa 7 irraa tokkoon kan hir'atee dha (Uma. 1:1-2:3, guyyaa uumama torban), yeroo sadii irra yeroo deddeebi'amuu Ibirootaaf waldorgomii guddaa uuma (Isa. 6:3, Jer. 7:4).

Dabalatanis immoo jechuu kan danda'u jaha lakkoofsa namaa akka ta'e hundumaa kan ilaalatuu tokkoon tokkoon qaama namummaa ta'uu dha, qulqulluu kan hin taanee sadan tokkummaa (sadan tokkummaa) jawwicha (seexana), bineensa galaanaa ((mormituu Kristoos) fi bineensa lafaa (raajii sobduu) . Anatti kan fakkaatu bineensi inni jalqabaa mormituu Waaqayyoo jalqabaa kan ta'e seera siyaasaa namummaa dha, inni lammaffaan bineensi immoo mormituu Waaqayyo seera amantaa namummaa ti. Achi irraas gara ishee halalee gudditttiti boqonnaa 17 in sosochoona,mormituun Waaqayyo seera biyya lafaa kan argisiisu, Dan. 7. Innis Baabiloon durii, jaarraa tokkooffaatti Room yoo

ta'u, yookaan bara dhumaa mootummaa lafaa wal makaa, kan argisiisuu seenaa namaa gara walitti bu'iinsa wali galaatti geggeessuu isaati, "Waaqa lafaa kana" (2Qoro. 4:4) giddugaleessaa fi isaa duuka kan bu'an dhiiphaadhaan uumama irraa Waaqa fi isa irras Masihii (Faru.2)

**13:18 "Lakkoofsichis dhibba jahaa fi jaatami jaha dha"** lakkoosfi kun eenyuun akka eeru wali galuu irra hin ga'amne. Baayina kan qaban yaada qabatamaa hin qabne kan kennan tarreefamaniiru, ta'us garuu tokkoon isaanii iyyuu guduunfaa hin taane. Akka ilaalcha tokkootti yaad-rimmeewwan fillatamoon kunoo.

1. Garaagarummaa barreefamaa 666 fi 616 gidduu jiraachuu isaa irraan kan ka'ee, Qeesar Neeroo fayyadamuu danda'a. qubeewwan Girikii kan itti hiikaman gara Ibirootaatti wal qixa 666 yoo ta'u qubeen Girikii gara Laatinitti wal qixa kan hiikaman 616 dha.
2. Irra deddeebin sadan kan Ibirootaa wal dorgomii guddaa akka lakkaa'amu, 666 baay'ee nama hamaa ta'uu danda'a.
3. Haali barreefamichaa sadan Waaqa tokkoo fakkeessuu sababa ibsuuf, sadan qaamawwan hafuuraa kan isaan callaqisan 777 dha, sadan wal falleessan 666 akka eeranii hundumaa.

## QABIYYEE HAALA BARREEFAMAA MUL'ATA 14:1-20

A. Jechuun kan danda'amuu boqonnaa 14 boqonnaa 12 fi 13 inni hamaan humna kan cimsate deebii dhi'eessuu ta'uu isaati. Amansiisa dha, dubbiftootni akka raajeefatan, qulqulloota irratti maal akka lisaan irra ga'u, bara dhumaa yeroo ari'atamaa rakkkisaati.
B. Tokko tokkoo caasefamni barreefamaa ilaaleera "torba", lakk. 6-20. Kan ergamaa torbaa duraa fi aantee qaba, ta'us garuu caaseefamni kun akka barumsa hafuuraatti faayida kan qabu hin fakkaatu"

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

### MUL'ATA : 14:1-5

**1Ergasiis ani ilaalee, hoolicha tulluu Xiyoon irra dhaabate nan arge, namoonni kumaatamni dhibbaa fi kumni afurtamii afran, warri maqaan isaa, maqaan abbaa isaatiis adda isaaniitti caafamee ture, isaa wajjin turan*. 2Sagalee akka hursaa bishaan baay'ee, akka guungummii qaqawwee guddaas waaqa keessaa nan dhaga'e, sagaleen ani dhaga'es waan akka sagalee kiraara gurguddaa warri kiraara rukutan dhageessisanii ture*. 3Isaan faarfannaa haaraa fuula teessichaa, fuula uumama lubbuu qaban arfanii, fuula teessichaa, fuula maanguddootaa duratti in faarfatu; faarfannaa sana immoo warra kumaatama dhibbaa fi kuma afurtamii arfan, biyya lafaa keessaa furaman sana malee, namni biraa tokko illee baruu hin danda'u*. 4Isaan kun warra dubartoota bira dhaquudhaan of hin xureessinii dha, isaan qeerrota duudaa dha, warri lafa hoolichi dhaqu hundumaatti isa duukaa bu'an isaan kana. Isaan kun warra sanyii namaa keessaa Waaqayyoo fi hoolichaaf furaman, warra jalqabaa ti*. 5Sobni tokoo illee adfaan isaanii keessatti hin argamne, isaan warra mudaa hin qabnee dha*.**

**14:1 "Hoolicha"** kun MAsihii kan eeruu dha (5:6, 8, 12-13, 13:8, Isa. 53:7, Yoha. 1:29, 36, 1Phex. 1:18-19).

▣ **"Gaara Xiyoon irra dhaabatee ture,"** yaad-rimeewwan baay'een gaalee kana eeruudhaaf faayidaa irra ooleeera.

1. Inni kan inni bakka bu'uu gaaraa Mooriyaa fi kan Yeruusaaleem naannoo mana qulqullummaati (Isa. 24:23, Iyu. 2:32)
2. Inni kan inni bakka bu'uu Yerusaaleem ishee samii irraati (Ib. 11:10, 16, 12:22-23, 13:14, Gal. 4:26)
3. Inni bak-buusa Apokilaptikiiti , kitaaba safartuu hin taane irratti kan argamu 2Isdiriis 2:42-47, 13:35, 39-40
4. Inni kan inni argisiisuu ;dubbifama kakuu moofaati, isaanis raawwata bara dhumaa saba Waaqayyoo walitti qabuu kan dubbatan (Faru. 48, Isa. 24:23, Iyu. 2:32, Mik. 4:1, 7, Abid.lakk. 17, 21)

5. Duubessi akka warra baay’ee kan biro dubbiffamawwan kutaa kanatti, Faru. 2, keessaa iyyuu lakk. 6 dha.

Yaada kennitootni ltokkoon tokkoon isaanii mul’atawwan akka wal qabsiisan hubadhu, tokkoo

1. Dubbifama kakuu moofaa irraa yoo ta’e bakkawwan Filisxeemii wajjin
2. Keessoo kakuu og-barruu Apokilaptikii wajjin
3. Kan jaarraa tokkooffaa kan Giriko-Roomaa seena wajjin

Akka kooti isaan kan kakuu moofaa wantoota mul’ataa, boqonnaa 6 irratti kan jalqaban, kan isaan walitti fidan kakuu haaraa irraa saba Waaqayyoo wajjini dha (Yihudii amanaa fi kan hin amannee), waldaa kiristaanaa qulqullootaa. Dhimma addaa kana irratti, inni mana qulqullummaa samii kan eeru dha (Ib. 8:2, 9:11, 24).

▣ **“Isaa wajjin kumaatama dhibbaa fi kuma afurtami afur”** kun wal fakkaataa kan ta’e isa jaalatamaa firaaf, 5:9 irratti akka jiru, kan maxanfaman 7:4-8 (7:4 irratti yaadannoo guutuu ilaali), dhiiga hoolichaan kan dhiqaman isaan (7:14-17). Kanaaf, ilaalcha koon, kun kan inni bakka bu’uu kakuu haaraa fi saba Waaqayyootiif, qulqulloota, walda kiristaanaa, 144,000 eenyummaa yaadannoo guutuu 7:4 ilaali. Duraan dursee yaadannoowwan jiran, isaan maxanfamaniiru ta’us garuu ni ari’atamu turan, isaan kun garuu abbaa mo’ichaati!

▣ **“Maqaan isaa fi maqaan abbaa isaanii adda isaani irratti kan barreefameef”** kun kan inni eeru maqaa tokkoo dha moo lamaa? Inni tarii kan inni argisiisu Isa. 9:6 kan ittiin waamamanidha , inni lamaanuu abbaa fi ilma irraa kan walitti dhufu. Isaan kun kan maxanfamani fi kan Waaqayyoo kan ta’ani dha (Mul. 7). 7:2 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**14:2 “Waaqa irraa sagaleen dhaga’ee, akka “** isaan gaaleewwan ibsaa kun faayida irra oolanii kan turan sagalee Waaqayyoof Hiz. 43:2 irratti, sagalee Yesusiif 1:15, fi kan cuqulisaa sagaleewwan baay’ee 19:6 irrati. Innis yeroo hundumaa kan inni ibsuu inni dubbatuu samii irraa akka ta’e (4:5, 11:19, 16:8).

**14:3 “Teessoo isaa duratti faarfannaa haaraa faarfatan,”** kun kan Mul. 5:9 kan eeruu dha. “Isaan” kan isaan argisiisan (1)uumama ergamaa 5:9 irratti kan jiru faarfannaa kan faarfatan yookaan (2) kumaatama dhibbaa fi kuma afurtami afur Faru. Lakk. 3 fi 15:2 irratti kan jiru kutaa guduunfaa wajjin. Faarfannaa haaraan kun kan Isa. 42:10 kan eeruu dha, akkasumas Faarfa. 33:3, 40:3, 40:3, 96:1, 98:1, 144:9, 149:1. Waadaan kan galameef barrii haaraan hafuuraa dhufeera!

▣ **“Manguddoota”** 4:4 irratti mata duree addaa ilaali.

▣ **“Biyya lafaa keessas kan bitaman”** kun yaad-rimee kakuu moofaati, fira dhi’oo oolchuu, kan gadi dhiifamee miseensa maatii (go’el, jechuun, Ruutii fi Bo’eez). Innis faayidaa irra kan inni oolu Kristoos kan isaanii du’eef (5:9, 7:14(. Mataduree addaa: bituu/oolchuu 5:9 irratti ilaali.

**14:4 “Dubbartoota wajjin kan hin xuroofne isaan kana,”** lakkoofsa kana irratti adeemsifameera, sababni isaa kun kan filataman dhiroota warra dubarti bira hin geenye waan fakkaataniif, 14400 keessaa, boqonnaa 7 irratti. Ta’us, ani akkan yaaduutti isaan gaaleen kun ibsamuu kan danda’an fakkeenyummaadhaan, yookaan yoo xinnaate jecha kakuu moofaan, kanaaf akkuma jirutti kan fudhatuu miti. “Dubartoota bira dhaquudhaan warra of hin xureesine” gaalee jedhuu karaa baay’eedhaan hubachuu danda’a.

1. Inni kan inni argisiisu akkuma jirutti waa’ee dhiirri dubarti bira ga’u dhiisuuti
2. Inni kan inni argisiisuu waa’ee ejja haafuuraati, bineensicha irraa yookaan ejjittu ishee gudditti wajjin (14:8, 17:2, 18:9)
3. Inni kan inni argisiisuu yaadawwan muraasaa dha, waldaa kristaanaa torbaniif kan godhamaniif (2:14, 20, 22, 3:4)
4. Inni kan inni argisiisu seera waaqeffannaa kakuu moofaati, waaqeffannaaf yookaan lolaaf (Bau. 19:14-15, Kes. 23:9-10, 1Sam. 21:4-5,2Sam. 11:6-13 )
5. Inni kan eeruu dha, kakuu moofaan saba Waaqayyoof kan ittiin waamaman, “mucaa Xiyoon ishee durbaa” (2Mot. 19:21, Erm. 18:13, Faru.Erm. 2:13, Amos 5:2, 2Qoro. 11:2, Efe. 5:27).

Cimsa itti kennuun kan irra jiru, hiriyaa gaa'ilaa wajjin kan raawwatamu wal-qunamtii saalaa kan hafuuraa kan hin taanehoji irra oolchuu dhiisuu dha. Wal-qunaamtii saalaa (gaa'iila) yaada Waaqayyooti, inni karaa inni ittiin lafa guutuu dha, aboomi isaati (Uma. 1:28,9:1). Qeerummaa dhugumatti tajaajilaaf kennaa hafuuraati (1Qor.7), ta'us garuu inni ejjennoo qulqullummaa miti. Kan Girikii kitaama falaasama ofii ganuun qulqullummaa miti (gaa'ilaan duras ta'ee baay'ee fuudhuun kan raawwatamuu wal qunaamtii saalaa akkasumas)!

▣ **"Bakka hoolichi deemutti kan duuka bu'an isaan kana"** kun kan inni dubbatuu waa'ee duuka-bu'ummaa fi tajaajilaati (Yoha 7:17, 10:4).

▣ **"Namoota keessa kennaa angaffaa Waaqayyoof akka ta'an"** jechi kun kakuu moofaatti faayida irra kan inni oole, Waaqayyo walumaagalatti abbaa haraaraa ta'uu isaa argisiisuufi dha (Bau. 23:19, 34:76). Kakuu haaraaf inni kan inni argisiisu waldaa kristaanaati (Ibr. 12:23, Yaq. 1:18), saboota Yesus, isaaniif kennaa angaffaa du'aa ka'uu kan ta'an (1Qor. 15:20, 23, Mul. 1:5).

**14:15 "Afaan isaani irratti sobni hin argamne"** fakkiidu kanaaf ka'umsi yaadamu qaban baay'ee jiru

1. Inni kan inni walitti dhufuu Mul. 21:27 fi 22:15 gaalee wal fakkaataa wajjin
2. Inni kan walitti dhufuu waaqeffannaa mootii wajjin, kanaf kiristaanootni aboomii ari'atootaa raawwatanii kan hin kabajne, "Qeesar gooftaa dha" jechuudhaan
3. Inni bak-buusa dha, kakuu haaraa rakkasisuuf (FAru. 32:2, Sef. 3:13)
4. Inni waabii ta'uu danda'a, amanuu dhiisuu Rom 1:25, 1Yoh. 2:22 irratti akka jiru

▣ **"Qaanii hin qaban."** Kun akkuma jirutti, "qaani malee" jechuu dha (Fil. 3:6). Durumaan inni kan inni argisiisu haarsaadhaaf kan dhi'aatan beneeldoota dha, garuu fakkidumaan namootaafiis faayidaa irra oolaa dhufe (Nohii Um. 6:9-17 fi Iyoob, Iyo. 1:1). Inni Yesusiif faayidaa irra ooleera Ib.9:14 fi 1Phex. 1:19. Kunis Kristoosiin fakkaachuun waabii jireenya karaa kan biraa dha. Kristoosiin fakkaachuun fedha Waaqayyooti, saboota isaaf (Lew. 19:2, Kes. 18:13, Mat. 5:48, 1Phex. 1:16).

## MATA DUREE ADDAA: QAANII KAN HIN QABNE, QULQULLUU, CUBBUU KAN HIN QABNE, MUDAA MALEE

A. Bantuu ibsaa
   1. Yaad-rimeen kun haala barumsa hafuuraatiin kan inni ibsuu ejjennoo ka'umsa mucaa namaati (jechuun, Uma. 1, kan Edeen Ganati)
   2. Cubbuu fi hameenyi tokkummaa kana fakkaatu balleessan (jechuun Uma. 3).
   3. Namootni (dhiiraa fi dubartii) Waaqayyoo dha wajjin tokkummaan ta'ee akka deebi'uu ni yaadu, bifa fi fakkeenya isaatti waan uumamaniif (jechuun, Uma. 1:26-27).
   4. Waaqayyo nama cubbamaa wajjin karaa baay'eedhaan wajjin hojjechuu barbaada
      a. Geggeesitoota gaarii (jechuun, Abirahaam, Lew. 1-7)
      b. Seera haarsaa (jechuun Lew. 1-7)
      c. Fakkeenoota gaarii (jechuun, Nohii, Iyoob)
   5. Dhuma irratti Waaqayyo Masihii kenne
      a. Ibsa guutuu ofii isaa
      b. Cubbuudhaaf haarsaa guutuu
   6. Kristaanooni qaanii malee ta'aaniiru
      a. Seera qabeessumaan Kristoosiin kan kenname tola
      b. Itti fufaa kan deemu karaa hojii hafuuraan
      c. Galmi kristaanummaa Kristoosiin fakkaachuu dha (Rom. 8:28-29, Efe. 1:4), innis dhugumatti fakkeenyummaa Waaqayyoo fakkaachuudha, sababa kufaati Addaamii fi Heewwaniif bade kan ture.

7. Mootummaan Waaqayyoo Edeen Ganatiin kan turee gara firooma guutummaatti deebisuu dha. Mootummaan Waaqayyoo bakka argama Waaqayyooti kan baatu Yerusaaleem ishee haaraa jechuu dha (Mul. 21:2) gara lafa isaan waameeti (2Phex. 3:10). Kitaabni qulqulluun kan inni jalqabuu fi kan inni fixuu ergaa walfakkaataadhaan.
   a. Kan dhi'oo, tokkummaa dhuunfaa Waaqayyoo wajjin
   b. Yoomessa Ganatiiti (Uma. 1-2 fi Mul. 21-22)
   c. Ibsa raajiin, jiraachuu Bineensotaaf hiri'ummaa (Isa. 11:6-9)

B. Kakuu moofaa
1. Kan adda addaa jechootni Ibirootaa jiru, guutuu ta'uu, qaani malee jiraachuu, yaad-rimee qulqullinaa kan qabatan, kanas firooma wal xaxaa mogaasuuf baay'ee rakkisaa dha.
2. Guutuu ta'uu, cubbu maleessa ta'uu, yookaan yaad-rimee qulqullinaa kan qabatan jechoota jalqabaa (akka Roobert B. Giridilstoon, kakuu moofaatti wal fakkaatee, Fuula 94-99) kan ta'an:
   a. Shalom (BDB1022)
   b. Thamam (BDB1070)
   c. Calah (BDB478)
3. Septuwaajeentii (jechuun, Kn durii waldaa kristaanaa kitaaba qulqulluu) isaan baay'inaan yaad-rimeewwan kan isaan hiikaan gara ciigoo jecha Girikiitti, kakuu haaraatti faayida irra kan oolchan.
4. Furtuun yaad-rimee kan inni wal qabate seera aarsaa wajjini dha.
   a. Amōmos (Bau. 29:1, Lew. 1:3, 10, 3:1, 6, Lak.6:14)
   b. amiantos fi aspilus hiika waaqeffannaa hormaa qabu

C. Kakuu haaraa
1. Yaad-rimee seera qabessa
   a. Kan Ibirootaa seerri waaqeffannaa hormaa hiiki kan hiikame *amōmos* (Efe. 5:27, Fil. 2:15, 1Phex. 1:19)
   b. Hiiki seera-qabeessi Girikii (1Qor. 1:8, Qol.1:22
2. Kristoos cubbuu kan hin qabne, qaanii kan hin qabne, qulqulluu dha (*amōmos*, Ib. 9:14, 1Phex. 1:19)
3. Duuka buutonni Kristoos dirqamatti isa fakkaachuutu isaan irra jira (*amōmos*, Efe. 1:4, 5:27, Fil. 2:15, Qol. 1;22, 2Phex. 3:14, Yih. Lak. 24, Mul. 14:5)
4. Yaad-rimeen kun geggeesitoota waldaa kristaanaatiif faayidaa irra ooleera
   a. anegkl tos, "kan hin komatamne" (1Xim. 3:10, Tit. 1:6-7)
   b. Anepilemptos, "kan hin ceepha'amne" yookaan "mudaa kan hin qabne" (1Xim. 3:2, 5:7, 6:14, Tit. 2:8)
5. "Qaaniin kan irra hin jire" yaad-rimeen jedhuu (amiants) faayida irra kan oole
   a. Kristoos mataa isaaf (Ib. 7:26)
   b. Kristaanoota dhaalaniif (1Phex. 1:4)
6. Kan "guutummaa" yookaan "sirrii ta'uu" yaad-rimeen (*holoklēria* ) (HoE. 3:16, 1Tes.5:23, Yaq. 1:4)
7. "Dogogora kan hin qabne" yaad-rimeen jedhu "cubbuu kan hin qabne, qulqullummaa amemptos beekameera (Luq. 1:6, Fil. 2:15, 3:6, 1Tes. 2:10, 3:13, 5:23)
8. "Qaaniin kan irratti hin argamne" yaad-rimeen jedhu amōmētos (2phex. 3:14)
9. "Qaani kan hin qabne," "mudaa kan qabne" yaad-rimeen jedhu, jechi gara olitti eeraman dubbifama kan qabatan yeroo hundumaa faayidaa irra (1Xim.6:14, Yaq.1:27, 1Phex. 1:19, 2Phex. 3:14)

D. Yaad-rimee kana ibsuudhaaf faayidaa irrakan oolan jechoonni faayidaa lakkoofsaa argisiisu. Waaqayyo kan nu barbaachisu karaa Kristoosiin nuuf kenneera, amma immoo isa akka fakkaanuu waamicha dhi'eessa.

Amantootni haala ejjoonnootiin, ragaadhaan "sirrii," "ta'uu kan qabu" "qaani malee" akka ta'an labsameera, hojii Kristoosiin. Egaa, amantootni bakka isaanii qabachuutu isaan irraa eegama. "Ifaan deddeebi'aa, inni ifaan akka ta'e" (1Yoh. 1:7). "Isa waamamtaniif akka ta'utti deddeebi'aa" (Efe. 4:1, 17, 5:2, 15). Yesus bifa Waaqayyoo deebiseera. Walitti dhi'eenyi dhi'oo amma hin danda'ama, ta'us garuu Waaqayyo amala isaa kan callaqisiisu saba akka barbaadu yaada dhaa, mucaan isaa akka godhe hundumaa. Qulqullummaa irraa waan gad xinnaateef nu hin waamamne (Mat. 5:20, 48, Efe. 1:4, 1Phex. 1:13-16). Qulqullummaan Waaqayyoo seera qabeessummaa qofa miti, garuu immoo lee'ii irraati!

## MUL'ATA : 14:6-7

**6Kana boode ergamaan biraa tokko, wangeela isa bara baraa baatee, warra lafa irra taa'anitti, saba hundumaattis labsuudhaaf bantii waaqaa walakkaa utuu balali'uu nan arge. 7Innis sagalee guddaadhaan, "Yeroon firdii isaa waan ga'eef, Waaqayyoon sodaadhaa, ulfinas kennaaf! Isa Waaqa, lafa, galaana burqituu bishaanii uumeefis sagadaa!" jedhe*.**

**14:6 "Ergamaa kan biraan waaqa walakkaa utuu balali'uu nan arge"** 8:3 irratti joobirri tokko waaqa keessa utuu balali'uu argameera, innis waan mul'atu tokko illee lafaaf lbsuuf akka jedhe.

▣ **"Lafa irra waarra jiraatan hundumaaf akka lallabuu wangeela bara baraa kan jedhe"** gaaleen kun, "wangeela bara baraa" isaan kana qofaa dha kan argamu. Faayida qabeessa kan ta'u "wangeellichi" as lafa irra kan jiran (kan jiraatan) ta'uu isaati, kun yeroo hundumaa faayidaa irra kan oole warra hin amanneefi dha. Warri tokko tokko kana karaa isaan ittiin ilaalan akka Mat. 28:18-20 raawwachuu dha, yookaan baay'ee bifa adda ta'een Mat. 24:14 fi Mar. 13:10. Qabiyyeen wangeela kanaa irra caalmaan ergaa Yohaannis cuuphaa fakkaata (Luq. 3:3-14) yookaan dubbii Yesuus hamaadhaaf, Mat. 4:10 irratti. Ergaan firdii wangeela kana irratti wanta guddaa dha. Lakk. 6-7 kan fayyadanii dha, isaan firdiiwwan Waaqayyo isaan erge waan nutty argisiisaniif, mucaa namaa bade furuudhaaf akka ta'ee (9:20-21, 16:9, 11).

Lakk. 12 irratti amantootni dhugaa amalli isaanii (1) akka eegaan (jechuun, keeyata ammaa) aboomiwwan Waaqayyoo fi (2) kan eegan (jechuun, keeyata ammaa wal fakkaataa) Yesuus irratti amantii jiru.

▣ **"Sabaaf, gosaaf qooqaaf fira hundumaaf"** 10:11 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**14:7 "Waaqayyoon sodaadhaa ulfinas kennaafii"** kun gocha raawwatamee dha (kan mirkanaa'ee) xiyyaafataa fi kan gocha ammaa xiyyaafataa. Gochi xiyyaaffataan sadii jiru, lakk. 7 irratti. Mucaan namaa Waaqayyoo deebii tasgabii isaa hojiidhaa fi amantiidhaan akka kennuuf aboomameera (Yoh. 1:12, Rom. 10:9-13). 11:13 irratti nama kufe ulfina Waaqayyoof kan kennu fakkaata, ta'us garuu ariitiidhaan dinqii bineensichaan harkifamee fudhata, boqonnaa 13 irra kan jiru (wal fakkaataa kan ta'e barumsa hafuuraati, Mat. 13, Mar. 4, Luq. 8) kan argamuu fakkeenya lafichaa.

▣ **"Sa'atiin firdii ga'eeraatii"** "sa'a" jechi jedhu, wangeela Yohaannis irratti waan isa guddaa dha (2:4, 4:21, 23, 5:25, 28, 7:30, 8:20, 12:23, 27, 13:1, 16:21, 32, 17:1). Innis tibba ammaa sa'aa kan waaqa irraa mul'isa (guyyaa gooftaa 14:15 fi 9:15).

## MATA DUREE ADDAA: YERICHA

"Yericha" jechi jedhu wangeela keessatti karaa adda addaa baay'een faayidaa irra ooleera, akka

1. Waabii lsa'aati (Mat. 8:13, Luq. 7:21, Yoh. 11:9)
2. Akka fakkiidu sa'aati qormaataa fi qorannooti (Mat. 10:19, Mar. 13:11, Luq. 12:12)
3. Akka fakkiiduu Yesuus tajaajila isaa jalqabuu argisiisuuti (Yoha. 2:4, 4:23)

4. Akka fakkiiduu guyyaa firdiiti (jechuun, lammaffaa dhufuu, Mat. 24:36, 44, 25:13, Mar. 13:32, Yoh. 5:25, 28)
5. Fakkiduu rakkina Yesus (Mat. 26:45, Mar. 14:35, 41, Yoh. 7:30, 8:20, 12:23, 27, 13:1, 16:32, 17:1).

▣ **"Sagadaafii"** kun kan biraa gocha xiyyaafataa yeroo ammaati, innis aboomi isa guddaa.

▣ **"Waaqa fi laficha galaanas burqituwwan bishaaniis isa hojjeteef"** kun HoE. 14:15, innis Um. 14:19, Bau. 20:11 yookaan Faru. 146:6 kan inni argamuu mirkanneefannaa wal fakkaadha. Waaqayyo akka uumatti ibsameera, Iy. 38:41 irratti akka jiru. Qofaa isaa gaalee hin baratamne "burqaawwan bishaani" dha, isas tokko tokkoo kan isaan ilaalan akka

1. Duraan dursanii kan eeraman dha'icha ergamootaa wajjin kan wal qabataman (8:10)
2. Dhufuu kan hin dandeenye bishaan galaanaa wajjin dhiibbaa kan qabu

## MUL'ATA : 14:8

**8Ergamaan biraa, inni lammaffaanis isa duraa duukaa bu'ee, "Kufteetti, Baabilon guddittiin isheen sabni hundinuu daadhii waynii dheekamsaa isa halalummaa ishee irraa dhufu akka dhugan goote, kufteetti! Jedhe*.**

**14:8 "Baabiloon gudditiin kufteetti, kufteetti"** gochichi kan irra deebi'ame qofa miti, ta'us garuu hima Girikiin duraan durseeti kan dhufu, kun kan gocha cimsa yeroo ammaa kennuudhaan. Kitaaba mul'ataa hiikuudhaaf baay'ee rakkisaa dha, sababni isaa yaad-rimeewwan kan babal'atan naannoo adda addaati ta'uudhaan (bineensichi 11:7 irratti gabaabatti dhi'aateera, ta'us garuu hanga boqonnaa 13tti guutuu guutuutti hin ibsamne). Guutummaan kufaatti Baabiloon kan argamu (16:19 fi 17:1-18:2 irratti dha. Innis kan inni bakka bu'uu Roomed ha (1Phex. 5:13, 2BArook 11:1, 67:7, himtee Sibiliin 5:143, 159, 424), dhuma irratti garuu kan inni bakka bu'uu Waaqayyo irraa fagaatani kan caasefamanii fi kan hojjeetan hawaasa nama hundumaati (mata duree addaa 13, D ilaali). Kun kan namoota ga'umsa ofii bu'aa kallatti kufaatiti (Uma. 3) kanaaf inni jalqaba irratti kan mul'atee gimbii Baabi'eel irratti (Uma. 10:11). Mootonni biyya lafaa baay'ee mormitoota ta'aa dhufu, innis kan bara dhumaa kan inni ta'u mormitoota Yesuus wali galatti mootonni biyya lafaa kan dhufuu dha (Dan. 2:7-8). Kunnis Isa. 21:9, Erm. 51:8 kan eeruu dha.

▣ **"Sabni ormaa hunduu dheekamsa ejjitutti daadhi waayinii obaafte"** waabiin isaa Erm. 51:7-8 (17:2, 4, 18:3) dha. "Miira cimaa" kan jedhuu jechi Girikii "thumos," yoo ta'uu kan inni walitti dhufus cabsee kan dhufuu miira wajjini dha (7:14, 17:2, 3, 18:3, irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali). Daadhi wayinii Baabiloon kan dhugan daadhii Yaahiwee in dhugu (lakk. 9)!

## MUL'ATA : 14:9-12

**9Ergamaan biraa, inni sadaffaanis isaan duukaa bu'ee sagalee guddadhaan, "Namni bineensichaa fi bifa fakkeenya isaafis yoo sagade, gubaa sanas adda isaatti yookiis harka isaatti yoo fudhate*. 10Innis ofii isaatii daadhii waynii dheekkamsa Waaqayyoo, isa utuu makaa hin qabaatiin xoofoo dheekamsa isaatti buufame dhuguuf jira, fuula ergamoota qulqullootaatti, fuula hoolichaa durattis ibiddaa fi dhaagaa boba'uun dhiphifamuuf jira*. 11 Aari ibiddaa isaan dhiphisuu immoo baruma baraan ol in ba'a, warra bineensichaaf bifa fakkeenya isaatiifis, halkan, guyyaas aara galfachuun hin jiru" jedhe*. 12Kana keessatti obsaan danda'uun warra Waaqayyoof qulqullaa'aanii, abboomii Waaqayyoo eeganii, Yesuusiin amanuu isaanii jabeessanii in barbaadama*.**

**14:9 "Akka….."** kun ramaddii tokkooffaa kan haalaa hima dha, gochawwan lamaan, "yoo waaqeffataniif" fi "yoo fudhatan." Namoonni tokko tokko, namoonni baay'een isaan gochaawwan ejjaa ni raawwatu. Kun dhiphina kallattiiti, lakk. 7 fi 12 irratti kan jiru Masihi Waaqayyo fudhachuu. Egaa kan isaan godhan dheekamsa Waaqayyo isaan irra ga'a (lakk. 10).

**14:10 "Inni immoo dheekamsa Waaqayyoo daadhii wayinii irraa dhufa"** namoonni filannoo lama qofa qabaatu, Waaqayyoon yookaan isa hamaa. Jechi Girikii dheekamsa orgē kan inni argisiisu "mormaa caaseefame" dha. 7:14 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali. Waabiin isaa Isa. 51:17 yookaan Erm. 25:15-16 (Mul. 16:19, 19:15) dha. Amantootni 'dheekamsa Baabiloon of irraa dhorkuutu isaan irra jiraata (Lakk. 8), kan hin amanne garuu dheekamsi Waaqayyo isaan argata (Lakk. 10).

Kun kan hin baratamne wali makaa jechaa (akkuma jirutti "kan wal make kan wal hin makne") jechuun daadhi wayinii dheekamsa Waaqayyoo wantoota kan biro wajjin wal makeera baay'ee akka macheessuu kan godhe, ta'us garuu kan wal hin mnmaknee dha, akka bishaani amma ta'uutti. "Xoofoo" jechi jedhuu yeroo hundumaa faayidaa irra kan oolo kakuu moofaatti yeroo hundumaa firdii Waaqayyootiif (Isa. 51:17, 22, Erm. 25:15-17, 27-29, Faru. 75:8). Yesus xoofoo dheekamsa Waaqayyoo namoota hundumaaf dhufe (Mar. 14:36). Addunyaan hin amanne isaaf deebii amantii hin kennine, fi kanaaf, ofi isaaniti xooficha wal simsiisu!

## Mata-duree addaa: Haala Macaafa Qulqulluu alkoolii fi alkolummaa

I. Jechaa Macaafa Qulqulluu
   A. Kakuu moofa
      1. *Yayin* – kun maqaa wali gala wayinnitti (BDB 406), innis yeroo 141 fayyadama irraa oole. Hundeen jecha dhugumaa hin qabu, sababii isa hundee jechaa Ibirootaa waan hin taaneef. Innis kan ta'u cuunfaa fudurraallee dhangaga'aa baayinaan wayinnidha. Murasaa kan ta'an dubbifamaa, Seera uumama 9:21, Bau29:40, Seera lakk. 15, 10.
      2. *Tirosh* – -kunni "guushii daadhii wayinnii" dha (BDB 440). Ba'a dhihoo sababa haala qilleensa, dhangaga'uun kan jalqabuu cuunfichii erga hojjeetamee sa'ati ja'a boodeedha, jechii kun kan inni argisisuu dhangaga'uuf adeemsa irra kan iru wayinnidha. Dubbifamni lammaaffaan Seera keessaa deebi 12:17; 18:4;Isa 62:8-9; Oosee 4:11 ilaali.
      3. *Asis* – kun dhugaatii alkoliit , ("Wayini mi'aa'aa'BDB 7799, Fakeenya Iyyuu'el 1:5; Isa49:26).
      4. *Sekar* – kun "dhugaat ciimaa" dha (BDB 1016). Hunddeen Ibra fayadama irra kan oole "machaa'a" ykn "hin machaa'e" kan jedhuu dha. Innis waan itti dabalame qaba caalaat akka macheesuf. Innis *yayin* wajjin wal cinaa dha (Fakkenya 20:1;31:6; Isa 28:7).
   B. Kakuu Haaraa
      1. *Oinos* – yaayiinii Girikii wajjin wal qixa
      2. *Neos oinos* (gushii Wayiini) kan Girikii Teroshiin wal qixa (Mariqoos 2:22)
      3. *Gleuchos vinos* (Wayinii mi'aa'aa, Eesiis)-harummaatti danfuu irra kan jiru Wayiinii (HoE2:13

II. Macaafa qulqullu fayadama isaa
   A Kakuu moofa
      1. Wayiniin kenna Waaqayyooti (Seera uumamaa 21:28, Faarfanna 104:14-15, Mikiyaas 9:7, Hoose 2:8-9, Iyu'eel 2:19, 24; Amoost, 9:13;Zakariyaas 10:7).
      2. Wayiniin kennaa qaama isa tokkooffadha (Bau29:40, Leewoota 23:13, Seera lakk. 15:7, 10, 28:14 Seera keessa deebi 14:26, Abboota Firdii 9:13)
      3. Wayinniin akka qorichati tajaajila (Samu'eel isa 2a 6:2, AbbootaFirdii 31:6-7).
      4. Wayiniin rakkina qabatamaa ta'uu danda'a (Nohii-Seera uumama 9:21, Looxi-Seera uumamaa 19:23, 35; Samsoon-Abbotaa Firdi 16:19; Naabaal-1a Samu'eel 25:36, Ooriho-2a Samu'eel 11:13, Aminoon- 2a Samu'eel 13:28, Eelahii- Motoota isa 1a 16:9, Bene'adaad- Motoota isa dura 20:12, Bitoota-Amoost 6:6 fi Dubaartoota-Amoost 4).
      5. Wayiniin wali wallaalchisuu danda'a (Fakkeenya 20:1, 23:29-35, 31:4-5, Isayaas 5:11, 22, 19:17, 28:7-8, Hoose 4:11).
      6. Wayiniin namoota murta'aaniif dhorkamadha. (Leewota 10:9, Iziqeel 44:21, Nazirichaa, Seera

lakkofsa 6 fi bitoota Abboota Firdii 31:4-5, Isa 56:11-12; Hosee 7:5).

7. Wayiniin akka raawwata ga'umsa yoomiif essaa godhamee fudhatameera (Amoost 9:13, Iyu'eel 3:18, Zakariyaas 9:17).

B Haftee Macaafa Qulqulluu (Interbiblical)

1. Wayiniin utuu hin baayisin baay'ee nama fayyada (Macaafa lalaba 31:27-30).
2. Barsisoonni kan jedhan (wayiniin "wayiniin dawwaa jiraan hundaa irraa isa gudda dha, yeroo wayinin dhumuu dha qorichii biraan kan barbachisuu. " (BB 58L).

C Kakuu Haraa

1. Yesuus bishaan garaa wayiniiti jijireraa (Yoh. 2:1-11).
2. Yesuus wayinii fayadamera (Mat. 11:18-19, Luq. 7:33-34, 22:17).
3. Phexiroos macha'eraa jedhame komatame "guushi wayini" phenxeqoosxe dhuguudhaan (Ho. Erg. 2:13)
4. Wayinin akka qorichati ni tajaajilla (Mar. 15:23, Luk. 10:34, 1[a] Xim. 5:23).
5. Geggessitooni dhugduu ta'uu hin qabaan. kunis walumaa galati dhugatii fayadamuu dhisuu miti (1[a]Xim. 3 :3, 8, Tiito. 1 :7, 2 :3, 1[a]Phex 4 :3)
6. Wayinin tajajilaa haafuraa yommiif eessatti in gargaara ni garagara (Mat. 22 :1, Mulata. 19 :9)
7. Dhugduu ta'uun kan balalefatemedha (Mat. 24:49, Luk11:45, 21:34, 1[a]Qor. 5 :11-13, 6 :10, Gal. 5:21, 1[a] Phex. 4:3, Rom. 13 :13-14).

III. Qabiyyee qorannoWaaqayyumaa

A. Waliin mormii faallaa

1. Wayiniin kennaa Waaqqayyooti.
2. Machiin rakkoo isaa guddaa dha
3. Amantootni aada tokko tokkoon birduma isaani dangeesutuu irra jira wangeeelaaf jedhan (Mat. 15 :1-20, Mar. 7 :1-23, 1[a]Qor8 :10, Rom. 14 :1-15, 13)

B. Dangaa eyyamameraa amala darbuu

1. Waaqayyoo maddaa garii hundumati
2. Ilmi nama kufee hundumtuu kennaawwaan Waaqayyoo daangaa Waaqayyoo kaa'eefi caala fudhachuun balleesaniruu.

C. Akka malee fayyadamuu irratii malee nu biraati malee wantoota irra miti. Uumamni fooni hamaa tokkoo hin qabu wantota irra mitii. (Rome. 14:14, 20 Mariqoos 7:18-23, 1a Qor 10:25-26, Ximootihos isaa dura 4:4, Titoo 1:15).

IV. Kan jaarra 1a aadaa Yiwudootatiif (dhangaga'a)

A. Dhangaga'u kan eeggalu battaluma sanati, tilmaaman sa'a 6 bodaa, wayiniin tumamee erga raawwate.
B. Akka aadaa Yihudotaati akka jedhutti irri isa keessi harafaan giddu-galleessa ta'ee yoo agarsisuu jalqabuu (milikitaa bilchachuu isaati) yeroo kanatii kennaa wayinii kennuuf ga'a jechuu dha. (*Ma aseroth* 1:7) innis "wayinii haara) yookaan "wayinii minya'aa" jedhama.
C. Biilchinii wayinii jalqabaa nama machessuu kan ga'uu torbe tokko booda.
D. Kan lammaffaa guyyaa 40 fudhata. Yeroo sanaati akka "wayinii dulloometi" lakka'ama, iddoo arsaa irratis arsaaf ni dhihataa (Idihuyuzi 6:1)
E. Sefaafu irratii wayinii ittite (wayini dullome) gaarii akka ta'etti lakka'ama, haa ta'uu malee fayidaa irra utuu hin oolin duraa waliin makkamuu qaba
F. Wayinin dullome kan jedhamuu erga bilchaate waggaa tokko booda yoo turee dha. waggaan sadii isa guddaa dha, Wayinii seeraan kuusuuf. Innis "Wayinii dullome" jedhama, waan ta'eef bishaaniin makamuu qaba.
G. Waggooti 100 darbaan keessatii bakka qulqulluu ka'uuni fi mihesituu itti dabaluun dhangagaa'umaa isaa hirisuun danda'amera. Kan durii Addunyaan uumamaa dhangagumaa isaa hanbisu hin dandeenye.

V. Cuftuu ibsaa

A. Shaakalakee, barrumsa Waaqayummaa, fi kan macaafa qulqulluu hiikaa kan Yesuusi fi kan jaarra tokkooffaa Yihudoota/yookaan aada kiristaanumma akka hin salphannee of eegadhu! Isaan raawwaatani alkooli kan in qamasne miti.

B. Ani falmituu fayyadama gamtaa alkooli miti. Ta'us baay'een dhimma kana irratti eegUmanoo Macafaa qulqulluu baay'ee waan olkaasaniif akkasumas amma tola guddaa kan hunda'ee addaadhaan/hundee amantii irratti qoodu jiru ta'uu isaatti

C. Anaaf, Rom14 fi 1[a] Qor 8:10 jalaala fi kabaja irratti kan hunda'ee qabiyyeedhaaf qajeelfama naaf kenna. Kunnis amantoota fi tatamsasina wangeela aada hundumaatiin birmadumaa dhuunfaa yookaan murtii Hiis osoo hin ta'in. Macaafni Qulqulluun qopha isaa kan amantaatii fi burqa gocha yoo ta'e, akkasumas hundumti keenya dhimma kana irra deebine hubachu qabna.

D. Raawwate of dhowuun akka fedha Waaqayyooti yoo fudhanee, waa'ee Yesuus maal jenna, akkasumas waa'ee warra aada ammayyomani, dhaabataatti wayini kan gargaaraman, (fakkeenyaaf Awuropaa, Isira'eel, Arjeentiina)?

▣ **"Innis abiddaa fi dhagaa boba'uun dhiphifama."** Kun firdii Waaqayyoo kan eeruu dha, Sadoomii fi Gamooraa irratti Bau. 19:24, 28, Luq. 17:29, yookaan firdii wali galatti, Faru. 11:6, Isa. 34:8-11, Hiz. 38:22). Rakkinni kan bineensoota lamaanii carraa dhumaati (19:20), kan hamaa (20:10), fi qalbi kan hin jijjirane mjuca namaa (20:15, 21:8).

Abidda (mata duree addaa 16:8 irratti ilaali) qulqullummaa Waaqayyoof fakkiidu kakuu moofaati (Lak. 9:15-16 K.k.f.). innis akka waamichaati faayidaa irra ooleera (Lew. 8:17, 32, 9:11, 24, 13:32, 55, 57 k.k.f) fi firdii (Lew.10:1-2, Lakk. 11:1-3 k.k.f). kun firdii wajjin kan wallitti dhufeenya wal qabatee bakka firdichaati hanga argisiisuuti baba'lateera. Yesus Yerusaaleem irraa gara kibbaatti kan jiru bakka balfa itti gatan, olqa ijoollee Henoom (gahaanam) firdii bara baraaf bakka buusuun itti fayyadameera (Mul. 20:10, 14-15).

**14:11 "Aarriin dhiphina isaanii bara amma bara baraatti in ba'a,"** ani amanuu kanan barbaaduu walitti qabaatti yookaan yoo xiqqaatee carraa lammaffaan, wangeelaaf deebii kennuuf, ta'us garuu akka qulqulluu sagalee isaati namootni kennaa Waaqayyo deebii amantii dirqamatti kennuutu irra jiraata (Mar. 1:15, HoE. 3:16, 19, 20:21) jireenyatti utuu jirani (Ib. 9:27), deebii kennuudhaaf tolee jechuu yoo baataan, bu'aan isaa kan dhumaatii fi kan bara baraati (Mar. 9:47-48, Mat. 25:46, Yoha. 5:29, HoE. 24:15, 2Tas. 1:6-9). Cubbamoota irratti kan ta'uu adabii dhaabataa dhiphina yeroofi amantootaa wajjin wal madaalchiisa. Kunis "halkanii fi guyyaa boqonnaa hin qaban" gaalee jedhuun degersa yoo argatu, lakk. 13 irratti qulqullootni ni boqotu.

Kun ibsamuudhaaf mata duree salphaa miti. Jaalala Waaqayyoo fi garaa isaa irraa olchuun adaba bara baraa isaa wajjin wal falleessa. Baay'een isaanii mul'ata irra kan jiru firdiiwwan Waaqayyoo oolchuudhaaf, akka dha'icha Gibxii fi Bau 27-29 kakuu abaarsaa. Kanaaf dhumni Waaqayyoo dhiisuun dhaabataa dha. Kan ifatame miti, kan adabaati! Kana hubachuudhaaf baay'ee jabaata, miiraan qabuun. Innis wangeelootaaf cimsa laata!

Dhimma mata duree kanaa dhiisuu koo fuul dura naannoo kanatti kanan qabuu yaada koo isinifan hir'a. ijoollee namaatiis akka si'ool hamaa akka ta'e, Waaqayyoof immoo baay'ee kan hamaatee dha. Waaqayyoo namoota fakkeenya isaatti kan uumeef tokkummaadhaaf. Uumamni hundinuu Waaqayyoof sadarkaa dha, ijoollee namaatiin wal arguudhaaf beekuun. Waaqayyo hundumaa kan Addaam ijoollee dhiiraa fi dubarti nii jaallata (18:32, 1Xim.2:4, 2Phex. 3:9). Isaaniin baay'ee isaan jaallata, mucaan isaa bakka isaanii akka du'uu hanga ergutti (Yoh. 3:16, 2Qor. 5:21). Ta'us garuu kan filate, isaaf dirqamatti deebi akka kennanii dha, yoo amanane, amantiin qalbi jijjiranaan, aboomamuun, tajaajilaan, waaqeffennaan fi obsaan. Waaqayyo eenyu iyyuu gara gahaanamitti hin ari'u, warri hin amannee garuu ofii isaanii ari'atu (Yoh. 3:17-21).gahanaam banaama kan ta'e, madaa dhiiguu dha laphee Waaqayyooti, inni immoo raawwatee kan hin fayyine! Mirkanaa'aa miti, Waaqayyoo "guyyaa gaarii" akka qabaatu. Hoo, fincila fedhi, fuula aarsaa jaalalaa duratti!

**14:12** obsi ergaa isa jalqabaati, kitaba isaa hundumaati (1:9, 2:7, 1117, 19, 26, 3:5,10,12, 21, 13:10, 21:7).sabni Waaqayyoo rakkina keessatti illee yoo ta'ee amanamoo ta'uutu isaan irraa eegama. Mata duree addaa 2:2 irratti kan jiru yaadannoo ilaali.

▣ **"Qulqulloota"** mata duree addaa 5:8 irratti ilaali.

▣ **"Aboomota Waaqayyoo kan eegan Yesusiin amanuutti kan jabaatan"** wal fakkaataa kan ta'ee ibsa amantootaa 12:17 irratti argama. Cimsi isaa Yesus wajjin kan ta'uu amantii dhuunfaa akka ta'ee hubadhaa, akkaatee jireenyaa kan ta'ee aboomamuun kan inni duukaa bu'uu (12:17, Luq. 6:46).

Kiristanummaan jaabaate kan inni of keessatti qabatu

1. Namicha fudhachuu (Kristoosi wajjin kan ta'uu firummaa)
2. Nama sana amanuudhaaf kan jiru dhugaawwan (dhugaa dooktrinii kakuu haaraa)
3. Nama sana kan fakkaatee jireenya jiraachuu (guyyaa guyyaatti Kristoosiin fakkaachuu)

Sadanuu hunduu kan bilchaate, fayya qabeessa, amantii guddatu barbaachisu.

## MUL'ATA :14:13

**13Ani amma immoo sagalee waaqa keessaa, "Warri gooftaatti qabamanii utuu jirani du'an, ammaa jalqabanii warra gammadanii dha, kana caafi!" naan jedhu nan dhaga'e. Hafuurri qulqulluunis, "Eyyee, dadhabbii isaaniittii aara ha galfatan, iji hojii isaanii immoo isaan duukaa in bu'a" in jedha*.**

**14:13 "Warra gammadan"** kun eebba kitaaba mul'aataa keessarri argamaan torban keessaa isa lammaffaa dha (1:3, 14:13, 16:15, 19:9, 20:6, 22:7, 14).

▣ **"Gooftaatti utuu jiran warri du'an warra gammadanii dha."** Kun kitimamtoota kan eeruu dha (144000 irra akka jiru), ta'us garuu kan du'a kanaa yeroo sirriin amansiisaa miti. Yaada kennitootni tokko tokkoo kan isaan walitti fidan guyyaa Yohaannis wajjinii dha, tokko tokkoo immoo bara dhumaa wajjin. Ammam illee waa'een yerichaa amansiisaa yoo ta'uu baatees, du'I qulqulloota Waaqayyoo isa duratti kan ulfaatee ta'uu beekuun baay'ee faayida qabeessa (Faar. 116:15).

Ammam illee gareen kun kitimamtoota kristaanaa yoo ta'es, kana akka "dhuga- baatootaa" hiikuun baay'ee kan fooyya'ee dha, akka amantootaatti bifni wali gala. Amantootni hundumtuu jaarraa tokkoofaatti hin ajjeefamne, bararakkina raaawwataattis amantootni hunduu hin ajjeefaman, ta'us garuu, amantootni hunduu Kristoositti kan amanan ta'anii argamuu isaan irraa eegama. Fakkiduun wali galatti, kan of keessatti qabatuu osoo hin taane.

▣ **"Hojiin isaaniis isaan hordofa"** kiritaanumaan paardooks (yeroo dhaga'aan dhugaa kan hin fakkaane gruu immoo dhugaa ta'uu kan danda'u) kan ta'uu nu akka amantootaati fayyuuf hafuuraan ayyaanni nuuf kennameera, tajaajila bu'a qabeessaa fi qaama Kristoosiif (1Qor. 12:7, 11). Waaqayyoo ni qulleessa, ga'aa godha, bara baraan sanyii godhachiisa, guutuu mantoota hin taane. Kennaa isaati, hafuura isaati humnaan kan gutamu, qulqullootni garuu waa'ee amanamummaa isaanii, argachuu isaanii fi obsa isaaniitiif badhaasaa ni fudhatu (mata duree addaa 2:10 irratti irratti ilaali). Amantootni hojiidhaan hin fayyine (yaalii mataa ofiin), ta'us garuu hojii gaariifi dha kan isaan fayyan (Efe. 2:8-9, 10). Fedhi Waaqayyoo tokkoon tokkoon amanaaf tajaajila Kristoosiin fakkaatee dha (Rom. 8:29, Gal. 4:19, Ef. 1:4)!

## MUL'ATA :14:14-16

**14Kana booddees ilaaleen duumessa adii tokko arge, ilma namaa kan fakkaatu tokko immoo, gonfoo warqee mataatti ka'aatee, haamtuu qaramaa tokkos harkaatti qabatti qabatee, dumeessa sana irra taa'ee ture*.15 Ergamaan biraa tokko immoou isaa mana qulqullummaa sana keessaa ba'ee, sagalee guddaadhaan isa duumessa irra taa'ee sanaan "Wanti biyya lafaa kanaa haamamuu guutumaatti bilchaatee irra darbeera, yeroon haamaas ga'eera, haamtuu kee itti**

**kaa’iitii haamii!” jedhe*. 16Kana irratti inni duumessicha irra taa’ee haamtuu isaa biyya** lafaatti **kaa’ee isa cire, biyyi lafaas ni haamame.**

**14:14-16** haamaan gosa adda addaa lamatu jiru (IV Iz. 13:10-11) lakk. 14-16 fi 17-19 irratti kan ibsaman. Kan jalqabaa midhaan haamaa yero ta’u inni lammaffaan immoo haamaa wayiniiti. Garaagarummaan kun kan eegame yoo ta’ee (Iyu. 3:13 irratti, lamaanuu haamaan kan mul’atan akka firdii tokkooti), kan jalqabaa kan inni argisiisuu haamaa tolootaa yeroo ta’uu (Mat. 9:37-38, 13:30, 38, Mar. 4:26-29, Luq. 10:2, Yoh. 4:35-38), inni lammaffaan haamaa wayinii Isa. 63:2-6, Erm. 51:33, Faru. Erm. 1:15, Iyu. 3:13 fi Mul. 19:15 irratti kan eerame cubbamadhaa kan inni argisiisu.

**14:14 “Kunoo dumeessa adii, duumessicha irratti mucaa namaa kan fakkaatu taa’eera, mataa isaa irratti gonfoo warqee”** wal fakkaataa kan ta’e rakkoowwan eenyummaa boqonnaa 6 fi 10 irratti kan jiran, lakkoofsoota kana irratti hojjetu. Kun kan hafuuraa Masihii kan ibsuu dha (Dan. 7:13) yookaan ergamaa kan biraa dha karaa isaan kan tajaajiluu? Kan biraan ergamaa natty fakkaata, sababni isaa

1. Kun duraa fi aantee kan ta’u ergamaa dha (lakk. 15, 17, 18)
2. Mat. 13:39, 41-42, 49-50 kan jedhu ergamaan bara dhumaatti namoota walitti qabani adda baasu (tokko tokkoo eebbaa fi tokko tokkoo firdiif)
3. Ergamaan ni ajaja (Lakk. 15)

**14:15** kun kan Iyu. 3:13 kan eeruu dha.

## MUL'ATA : 14:17-20

**17Ammas ergamaan biraa tokko mana qulqullummaa isa waaqa irraa keessaa in ba’e, innis immoo haamtuu qaramaa of harkaa qaba ture. 18Kana booddee ergamaan biraa inni ibidda irratti aboo qabu tokko iddoo aarsaatii gad ba’ee, sagalee guddaadhaan ergamaa isa haamtuu qaramaa baatu sanaan, “Iji waynii isaa waan bilchaateef haamtuu kee itti kaa’iitii hurbuu wayiini biyya lafaa ktii walitti qabi,” jedhe. 19Kanaaf ergamaan sun haamtuu isaa biyya lafaatti kaa’ee, hurbuu wayinii muka isaa irraa kutee, iddoocuunfaa wayinii dheekamsa Waaqayyo isa guddatti daddarbate*. 20Wanti iddoo cuunfaa wayinii sana keessa jirus mandara duubatti ni dhidhitame, iddoo cuunfaa sana keessaas dhiigni in ba’e. Inni luugama fardaa bira hamma ga’utti ol ka’ee, akka kilo metrii dhibba sadiif immoo in lola’e***

**14:17 “Ergamaan kan biraan samii irra kan jiru mana qulqullummaati dhufe,”** kun kan inni argisiisu sami irra kan jiru mana qulqullummaa hafuuraati (Ib. 8:2, 9:11, 23-24).

**14:18 “Ibidda irrattis aboo kan qabu”** ergamoonni qilleensa irratti aboo qabu (7:1), abidda irraatti (14”18), fi bishaan irratti (16:5). Kun kan inni callaqisiisuu kan barsiisootaa yaad-rimee Yihudummaa yeroo ta’u, ergamoonni addunyaa uumamaa keessatti akka galan kan callaqisiisuu dha. Ammam illee kakuu haaraan kanaaf cimsa yoo hin laanee, sun amansiisaa miti jechuu miti (1:7, 14).

**14:20 “Magaalaan ala”** warri tokko tokkoo kana akka itti ilaalan Kristoos magaalaan ala fannoo isaa eeruu dha (Ib. 13:12). Kn biroon kan isaan ilaalan akka seera qulleessuu kakuu moofaatti, kan xuraa’aan mandaraan ala akka fudhataman (Lew. 8:17, 9:11). Ta’us, ini dinoota Waaqayyoo bara dhumaatti naannoo magaalaa Yerusaaleemitti walitti qabamu isaani kan eeru ta’a (Faru. 2:2, 6; Dan. 11:45; Iyu. 3:12-24, Zak. 14:1-4, fi keessoo kakuu Apokilaptikii kitaaba 1Henook 53:1). Asitti irra deebiin, kan hin jijjiramne kamiinu, fakkiduu kamiinuu ta’uu isaan rakkoon hiika isa jalqabaa dhimma ta’a!

▣ **“Hanga cancala farrdeeniti dhiiga gahu fageenyi isaa kuma dhibba jaha boqonnaa ta’ee iddoo cuunfaati ba’e.”** kun lolaa guddaa ta’a, boqonnaawwan darban keessatti kan mul’ate, yookaan akkasumatti halluu cuunfaa wayinii irraa kan argamee fakkidu ta’a. gaaffii amansiisaan inni kan hin jijjiramnee dha kan fakkeennoo kan jedhuu dha. Kuni kan ibsuu kan yeroo/bakka lola ta’ee dha yookaan fakkeennoo lola waaqa irraa, innis gaarii fi hamaa gidduu kan adeemsifamuu? Sahrbichi kan inni calsisu gara boodeeti, ta’us garuu jechi Yesus, Mat. 24: Mar. 13 fi Luq. 21 kan isaan caalchisan gara fuula duraatti.

Fageenyi sirriin amansiisaa miti. Warri tokko tokko akka jedhanitti (1) Maayili 165, (2) 182, yookaan (3) Maayili 200 dha. Jechi amansiisaan Firiloongi 6600 dha. Kunis kan hin baratamne lakkoofsa fakkenyummaati. Warri tokko tokko kan jedhan inni argisiisu Daani hanga Bershaabe fageenya jiruu dha, jechuun firdiin isaa bak-buusaan guutummaa qulqulluu lafaa ni uwwisa.

“Cuunfaa wayinii” fakkiidu firdii kakuu moofaati (Isa. 63:3, Faru. Erm. 1:15). Kunis tarii cuunfaa wayinii diimaa fi wal fakkeenya dhiigaa kan argisiisu waan jiruuf ta’uu danda’a. Innis 19:15 irratti immoo eerameera.

▣ **“Dheekamsa Waaqayyoo”** 7:14 irra kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

## GAAFFILLEE MAREE

Qajeelfamni qayyabannaa kun hiika yeroo ta’uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemuutu nurra jiraata. Hiiktootni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kanas deebiftee hiikaa irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Isaan gaaffilleewwan maree kun kan kennaman kutaa kitaaba kanaa dhimoota gurguddoo akka ta’utti akka qayyabatuu akka si gargaaruuf. Kana jechuun akka ta’uutti akka itti yaaduuf malee kana qofaan akka murtooftu miti.

1. Boqonnaan 7 fi 14 irratti kan argamu 144000 walitti dhufeenyi isaa maalii dhaa?
2. Gaarii Tsiyoon eenyuun kan inni argisiisuu?
3. 14:4 irratti adda kan baasan kan argaman kan fillataman namoota qeeroof dha yookiis saboota Waaqayyoo hundumaaf?
4. 14:6 fi 7 faayidaan isaa maalii dhaa?
5. Baabiiloon eenyuu yookaan maalii dhaa?
6. Gahanaab kan bara baraatii?
7. 14:14-16 irratti duumessa irra namni taa’ee eenyuu, maaliif?

# MUL’ATA 15-16
# HIIKOOTA HAARAAWAN KAN RAMADDII KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Dha’icha Ergamaa<br>Isa dhumaa irraa | Jalqaba-waciiti<br>Firdii | Dheekamsa Waaq<br>yyoo torban | Dha’icha ergamaa<br>isa duraa irraa | Faarfannaa Musee<br>fi hoolichaa |
| 15:1 | 15:1-16:1 | 15:1 | 15:1 | 15:1-4 |
| 15:2-4 | | 15:2-4 | 15:2-4 | wacitiiwwan |
| dheekamsaa | | | | |
| torban | | | | |
| 15:5-8 | | 15:5-16:1 | 15:5-8 | 15:5-8 |
| waciitiwwan<br>Dheekamsaa<br>Waaqayyoo | | | waacitiwwan<br>dheekamsa<br>Waaqayyoo | |
| 16:1 | waciitii tokkooffaan:<br>Madaa hamaa | | 16:1 | 16:1 |
| 16:2<br>16:2 | | 16:2 | 16:2 | |
| | 16:2 | | | |
| | Waciitii lammaffaa:<br>Galaanichi gara<br>Dhiigaatti jijjirame | 16:3 | 16:3 | 16:3 |
| | 16:3<br>Waciitii sadaffaa:<br>Bishaanonni gara<br>Dhiigaatti jijjiraman | | | |
| 16:4-7 | 16:4-7 | 16:4-7 | 16:4-7 | 16:4-7 |
| | Waciiti afraffaa: namootni<br>Ho’aan gubatan | | | |
| 16:8-9 | 16:8-9 | 16:8-9 | 16:8-9 | 16:8-9 |
| | Waciiti Shanaffaa:<br>Dukkanaa fi gidiraa | | | |
| 16:10-11 | 16:10-11 | 16:10-11 | 16:10-11 | 16:10-11 |
| | Waciiti jahaffaa:<br>Efiraxis goge | | | |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 16:12-16 | 16:12-16 | 16:12-16 | 16:12-16 | 16:12-16 |
| | Waciiti torbaffaa: lafti Guutuun ishee raafamte | | 16:15 | |
| | | | 16:16 | |
| 16:17-21 | 16:17-21 | 16:17-21 | 16:17-21 | 16:17-21 |

**RAMADDII BARREEFAMAA SADII FUULA (fuula V ilaali kutaa seensaa)**

**YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATIIN DUUKA BU'U**

Qajeelfamni qayyabannaa kun hiika yeroo ta'uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemuutu nurra jiraata. Hiiktootni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kanas deebiftee hiikaa irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaadawwan ijoo irratti (marsaa ramaddii dubbisaa lakk.3 fuula vii). Kan kee yaada ijoo ramaddiwwan gubatti kan tarreefaman hiiktoota shanan wajjin wal bira qabi. Guutummaan mul'inichaa keeyata keessatti argamuu yoo baatees yaadni barreesitoota jalqabaa kan ta'ee wanti barbaachiisaan hiikichaa irratti argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa of keessatti qabateera.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f

**QABIYYEE BARREEFAMAA MUL'ATA 15:1-16:21**

**A.** Waciiti torban, isaanis boqonnaa 15 irratti kan beekaman fi boqonnaa 16 irratti kan ibsaman, marsawwan dheekamsaa hafuuraa, isaanis kaayyoo olchuu ergaman sadanuu (9:20-21, 14:6-7,16:9,11). Tokkoon tokkoon marsaa dabalaa fi hamaataa deema: 1/4, 1/3, fi badiisi wali gala (hamaa irratti firdii ta'uu fi adda baasu).kunis ta'uu kan danda'uKes. 27-28 "kan eebbaa fi abaarsaa" kutaa irratti hundeessuu dha.

**B.** Marsawwan kana irratti walitti dhufeenyi barreefamaa jira. Mallattoon torbaffaan malakatawwan. Kan jalqabaa malakatawwan arfan immoo kan jalqabaa xoofowwan afran wajjin kallattiidhaan wal cina.

C. Xoofoo torbaffaan kufaati Baabilon, innis fakkeenya kufaati hawaasa namaati, Waaqayyo irraa adda bahe kan qindaa'ee fi kan hojjetu.Yeroo Yohaannisitti inni Room ture. Daani'el 2 irratti tokkoon tokkoon kan itti fufu mootummaan lafaa baay'ee dabalaa mormituu Waaqayyo ta'e, guutummaa biyya lafaa hundaati, mormituun mootummaa Waaqayyoo, innis Masihin kan itti dhalate , bittaa Roomaa (kan Daani'el 8 seensa www.freebiblecommentary.org ) irratti ilaali.

D. Boqonnaa 15 fi 16 fakkeennoo isaanii kan waraaban ba'u irraa yaalii Israa'eel dha (boqonnaa 12-14 irra akka ta'e hundumaa). Kun kan bara dhumaa hamaa irraa fayyuu akka ba'uutti galmi wali gala ni mul'ata (jechuun, oolchuu).

E. Bineensotni fi ejjituttin Baabiloon (hawaasa namaa isa fincilaa) Armaagedoniin mo'ameera (16:12-16), sexanis googi fi maagog wajjin yoo mo'amuu (namootni finciltootni) dhuma irratti (20:7-10). Lammata deebi'ee dhufuu Kristoos boqonnaa 19 irratti kan mallattoo torbaffaa fi kan malakata torbaffaa fi firdiwwan xoofoo torbaffaa kan babal'isuu fi xumuraati. Kunis deebi Waaqayyoti, 6:9-11 kan jiru gaaffii kitimamtootaa.

F. Isaan bara dhumaa kana lolawwan hiikuuf rakkisoo kan ta'an:

1. Gosa og-barruu dhi'aate, raajummaa/Apokilaaptiki.
2. Isaanis kan dhi'aatan guddachaa kan deeman sadarkawwan, marsaawwan, yookaan gochawwan baacoo ta'un isaa.
3. Gareewwan isaa irraa fi fakkeenyummaa gidduu gegedaramsi jiraachu.
4. Akkaata raawwii jaaraa jalqabaa fi kan bara raawwataa adda baasuuf rakkisaa ta'un isaa.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## Mul'ata :15:1-3A

**1Kana boodee milikkita guddaadhaa fi dinqisiisaa biraa tokko, Waaqa keessatti nan arge; innis ergamoota torba warra dha'icha gara dhumaa torban of harkaa qaban ture; dheekamsi Waaqayyoo isaan kanaan waan dhaabatuuf, dha'icha gara dhumaa jedhaman. 2Ergasii ani wanta akka galaana dhoqqee of-ilaallee ibiddaan makaa irraa hojjetame tokko nan arge. Akkasumas warri bineensicha bifa fakkeenya bineensichaa, lakkoofsa maqaa isaatiif, dhaabatu irrattis mo'icha argatan, kiraara isa kan Waaqayyo harka isaanitti qabatani, wanta akka galaana dhoqqee of-ilaallee sana bukkee dhaabbatani nan arge. 3Isaan faarfannaa Musee garbicha Waaqayyo, faarfannaa hoolichaas ni faarfatu, Waaqayyo gooftaa hundumaa dandeessu, hojiin kee guddaa dha dinqisiisaadhas! Ati yaa mootii saba hundumaa, karaan kee hundinuu qajeelaadha dhugaadhas!**

**15:1 "Samii irratti"** kun kan sadaffaa mallattoo duraa fi aanteeti, Yohaannis samii irratti kan arge. Mata duree addaa 12:1 irratti ilaali.

▣ **"Guddaa fi dinqisiisaa"** gaaleen kun as qofatti kan argamu, kanaaf gara waabii kakuu moofaatti argisiisa, lakk. 3 irra, innis bakkoota baay'ee keessaa tokko irraa kan ba'e (jechuun, Kes. 32:3-4, Faru. 111:2, 139:14, yookaan Hose. 14:9).

Lakk. 3-4 barreefamni dheeran tokko barreefama hambisa, waabiin kakuu moofaa, bakkaawwan yaadataman.

▣ **"Dheekamsa Waaqayyo"** 7:14 irra kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

▣ "**Raawwateera"** kun kan gocha hojii irra olee argisiisuu dha, kan teleō raawata yookaanis raawwatamuu . xoofoowwan kan raawwatamanii fi firdii isa dhumaati, namoota faallaa amantii rakkisoo irratti! Itti fufe kan ta'uu abdiin qalbi jijjiranaa fi amanti hin jiru, firdii fi adda baasuu qofa!

Haala barumsa hafuuraatiin jechuun kan danda'amuu kan mallattowwani, malakatawwan, fi xoofoowwan duraa duubaan kan isaan argisiisan karaa Waaqayyoon abdii godhachuuti, namoonni qalbi akka jijjirataniif, dhuma irratti garuu hamaa irratti kan jiruu firdii wali gala, dhabamsiisuu fi adda baasuun haqa-qabeessa! Kan hafee fillannoon qofaan ganahaab dha.

**15:2 "Of-ilaallee galaanaa kan fakaatuun arge"** kun kan jalqabaa Mul. 4:6 irratti kan eerame. Mul. 21:1 irra kan jiru sababa akkaataa fayyadamaan, fakkiduu qulqullummaa Waaqayyoo fakkaata, cubbamichi mucaan namaa gara isaatti akka hin dhi'aanne kan dhorku (jechuun, fakkidu ta'iwwan samii ta'u danda'a). guyya tokko dhorkaan kun hin dhabamsiifama. Waabii kakuu moofaa kan ta'u tokko Bau. 24:10 yookaan Hiz. 1:22, 10:1, dha. 4:6 irra kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

▣ "**Abbidaan kan wal make"** kun wanta haaraa dha, 4:6 irratti kan hin argamne. Yaad-rimeewwan baay'een turaniiru.

1. Inni ballaqeesa'uu aduuti, seenaa namaatiin
2. Inni kan inni bakka bu'uu, firdii Waaqayyoof kan dhaabatu
3. Inni dhiiga kitimamtootaati
4. Inni kan inni wal qabsiisuu galaana diimaa irratti mo'icha argamee wajjin fi faarfannaa Musee wajjini dha, boqonnaa 15 fi 16 duubessa kakuu moofaa waan qabaniif, dha'icha Ba;u wajjin (Bau. 7-12, 15)

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Mo'icha argatani"** |
| **NKJV** | **"kan mo'an"** |
| **NRSV** | **"kan mo'an"** |
| **TEV** | **"mo'icha kan argatan"** |
| **NJB** | **"kan lolan"** |

Jalqaba irratti kun kitimamtoota kan eeru fakkaata, ta'us garu 12:11 kan inni argisiisu du'a uumamaa kan argan irratti ;dirqamatti raawwatamu isaati, ta'us garuu bineensichaaf kan hin saganne (20:4)

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"bineensicha fakkicha lakkoofsa irratti"** |
| **NKJV** | **"bineensicha irratti, fakkicha irratti fi mallaticha irratti"** |
| **NRSV** | **"bineensichafi fakkichaa fi maqaa lakkoofsa"** |
| **TEV** | **"bineensicha irratti fi fakkicha irratti fi maqaa isaa kan bakka bu'u lakkoofsa irratti"** |
| **NJB** | **"bineensichaa fi nama, fi ejjennoo isaa mormuudhaaf fi lakkoofsa ta'e irratti"** |

Bineensichi jalqaba irratti kan eerame 11:7 irratti dha. Boqonnaa 13 irraa hubachuun kan danda'amu bineensoota bosonaa lama jiraachuu isaanii ;dha, tokkooffaan foon seexanaa ufachuu (jechuun, Kristoosiin fakkaachuu) fi kan biraan kan isaa raajii sobaati (jechuun, hafuura qulqulluu fakkaachuun). 13:18 kan hubannu lakk. 666 dha, innis lakkoofsa nama dhuunfaa raawwatee kan hin fakkaanee, akka kufee fi gahaa akka hin taane hawaasni namaa (jechuun, mootummaa) Waaqayyo irraa kan fagaate.

▣ "**Of-ilaallee galaanaa irra yeroo dhaabatan"** hiikonni tokko "irra" kan jedhu qaba (NASB, NKJV), tokko tokkos "cinaan" kan jedhu qabu (NRSV) yookaan "kara isaa" (TEV, NJB). Walingii Girikii hiiki hundee "oli" dha. Fakkiduun isaa kan dubbatu kan mo'an gara Waaqayyooti akka dhi'aatan dha. "Galaana" mul'ataan kan bakka buusuu Waaqayyoo qulqulluu fi uumama cubbuu gidduu akka waan adda baasuuti. Galaanii guutumaa guutuutti akka adda baasaati. Gaalanii guutumaa guutuutti dhabamsiifamaniiru, 21:1 irratti haawasni guutuun yeroo itti deebi'uutti (jechuun, kan Eden Ganat firoomni deebi'eera).

"Of-ilaallee galaanaa" hiikni fillannoowwan hiikaa 4:6 irratti kan jiru yaadanno ilaali.

▣ **"Kiraara Waaqayyo qabatani"** ergamooni kiraara akka qaban kan isaan ibsan, 5:8 fi 14:2 irratti. Haala barreefamaa kanaan kan argisiisu amantootaa dha, isaanis 144000, boqonnaa 14 irra kan jiran wal fakkaataa kan ta'e. Ergamoonni Waaqayyoon sami irratti faarfannaadhaan akka waaqefatan hundumaa, amms akkuma kana, amantoota mo'aniin!

**15:3 "… ciigoo Musee fi ciigoo hoolichaa faarfatu."** Kun kan inni argisiisu tokkummaa kakuu moofaadhaa fi haaraati, kanaan faarfannaa oolchuu. Faarfannaan Musee Bau. 15:1-9 kan eeruu dha, achitis Museen Waaqayyo kan inni ittiin galateeffatu , waa'ee mo'amuu Fari'oon, galaana diimaa irratti. Ta'us, ta'uu kan danda'u Yohaannis Kes. 32 yaada isaan akka qabateedha, sababni isaa gaaleen jalqabaa Kes. 32:3-4 waan eerameef. Faarfannaan hoolichaa duraan dursee 5:9 fi 14:3 irratti ilaali. Faarfannaa guduunfame akka ta'e hubadhu, kan nama dhuunfaa osoo hin taane, kan nageenyaa (Uma. 3:15).

▣ **"Garbicha Waaqayyoo"** kun waamama ulfinaati, akka Musee, Iyyaasuu, fi Daawit kan fakkaatan amala isaan argisiisan. Inni kan Phaawulos "garbicha Kristoos" ka'umsa ta'u danda'a.

## Mul'ata:15:3b-4

**3Isaan faarfannaa Musee garbicha Waaqayyo , faarfannaa hoolichaas ni faarfatu, "yaa Waaqayyo gooftaa hundumaa dandeessuu, hojiin kee guddaa dhas! Ati yaa mooti saba hundumaa, karaan kee hundinuu qajeeladha dhugaadhas! Yaa gooftaa! Namni si hin sodaanne, maqaa kes kan hin guddifne eenyu? Si duwwatu qulqulluudha, sabni hundinuu in dhufu, siifis in sagadu, gochaan kee inni qajeelaan mul'ifameera!" in jedhu**

▣ **"Hojiin kee guddaa fi ajaa'ibsiisaa dha"** kun waabii wal make dha kan Faru. 40:5, 92:5, 111:2, 139:14 fi Hose. 14:9.

▣ **"Waan hundumaa kan bitu Waaqayyo gooftaa"** kun kakuu moofaatti baayinaan faayidaa irra kan oolan waamama Waaqayyo sadi kan eeruu dha (1:8, 4:8; 11:7; 16:7).

1) "Gooftaa" Yaahiwwee kan eeruu dha, fayyisaa, oolchaa, Waaqa kakuu.
2) "Waaqa" Eloim (Elohimiin) kan eeru dha, uumaa, kennaa, fi eegaa, lafa irra kan jiraatu jireenyi hundumtuu.
3) "Hundumaa kan bitu" El Shaddai (Elshadayiin) kan argisiisuu dha, Waaqa maqaa abbootaa, Abirahimif, Hisi'aaqii, fi Yaaqoob (Bau. 6:3).

Mata duree addaa" maqoota hafuuraa 1:8 irratti ilaali.

▣ **"Karaan kee qajeelaa fi dhugaa dha"** rakkina qulqulloota gidduu, cimsi kun baay'ee faayida qabeessa (16:7). Kun kan Hos. 14:9 kan eeruu ta'a.

▣

**NASB, NRSV,**
**TEV, NJB** **"atii mooti ormoota"**
**NKJV** **"Mootii qulqullootaa hoo"**

Hiikamonni adda addaa gosti sadii lakkoofsa kana irratti ingilliffa ammayyaatiin argamu.

1) "Mooti barootaa" (waggaa, TEV , NIV, REB) innis kan durii Girikitti kan argamu MSS P46, ℵ* fi C (1Xim. 1:17, 1Henook. 9:4)
2) "Mootii ormootaaa" (NRSV, TEV, NJB) innis ℵ, A, P, fi baay'een isaani barreefamootni xixxiqoon (lakk. 4. Erm. 10:7)
3) "Mooti qulqullootaa" (NKJV) MSS 296, 2049 (Metiziter, yaada bal'aa barreeffamaa, fuula 753) innis kan duraani barreefama Laatiini hubachuu dhiisu irraa kan ba'ee dha

Fillannoon lakk.2 isa jalqabaa ta'uu danda'a. UBS[4] sadarkaa "B" kennaaf (guutuu guutuutti yoo ta'uu baatee sirri).

**15:4 "Gooftaa koo, kan si soodatuu fi maqaa kee kan ulfeessu eenyuu dhaa?"** kun uumamaa ol kan ta'ee qulqulluu dha (14:7, Erm. 10:7-10). Innis nagaa kenna, eenyuuf iyyuu fi hundumaaf, kan isa sodaatanii fi maqaa isaa kan ulfeessan.

▣ **"Ormootni hundinuu ni dhufuu fuula keeti ni sagadu."** Raajii kakuu moofaatti ormootni hundumtuu guyyaa tokko garaYerusaalemitti dacha'u (Faru. 22:27, 66:4, 86:9, Isa. 2:2-4, 19:19-24, 27:13, 56:7, 66:19-24, Mil. 1:11). Yohannis raajii kakuu moofaa fi fakkeenya isaa ibseera, fayyina karaa hundumaani ibsuudhaaf. Yerusaaleem ishee kakuu moofaa Yerusaaleem ishee samii irraa taatetti, amanaa Yihudii fi amanaa Yihudi. Kitaabni kun Yihudiitti yookaan ormoota irratti hin xiyyaafatu, kakuu haaraan akka godhe, ta'us garuu amantootaan yookaan warra hin amanne irratti dha (Isa. 45:23, Filli. 2:9-11 wajjin wal bira qabi). Jalqaba yaada bal'aa irratti kan jiru seensa jalqabaa ilaali.

## MUL'ATA : 15:5-8

**5kana booddees waan biraa nan arge; manni qulqullummaa inni waaqa irraa dunkaani dhuga-baatuu in baname. 6Ergamoonni torbas uffata calaqqisaa quncee muka talbaa qullaa'aa irraa hojjeetamee uffatani, qoma isaanis hidhata warqeetiin hidhatanii dha'icha torban sana of harkatti qabatani, mana qulqullummaa sana keessaa in ba'an. 7Uumama lubbuu qaban afran keessaa inni took, waaciiti warqee irraa hojjetaman torba, dheekamsi Waaqayyoo isa bara baraan jiraatuu akka keessa guuteetti, ergamoota torbaniif kenne. 8Manni qulqullummaa sunis**

**guddinaWaaqayyoof aangoo isaa irraa kan ka'e haaraan in guute; amma yeroo dha'ichi torban ergamoonni torbani fidan sun raawwatamanitis, eenyu illee mana qulqullummaa sana lixuu hin dandeenye.**

**15:5 "Dhuga-baatiin godoo mana qulqullummaa samii irratti baname,"** 4:1 irratti balbala mana qulqullumaati Yohaannisiif banameera, 11:19 irratti kakuun gabatee kakuu mana qulqullummaa keessatti ta'eera, amantootni akka ilaalaniif. Amma guutummaa mana qulqullummaa samii irratti ta'eera (Bu. 25:9, 40, 38:21, Lakk. 10:11, 17:7, HoE. 7:44). Kun kakuu moofaatti waabiin 8:5 fi 9:23 irratti dabalameera. Ramaddiin barreefamaa kun ba'uu fi lafa honaatti yeroo joorutti fayyadama, akka yoomeessa boodaatti. Kunis fakkeenyummaa Ba'uu isa duraa fi lammataati, garubaadhaa ba'uuf, (garbummaa cubbuu0.

**15:6 "Uffataa faayyaa quncee talbaa irra hojjetame uffatan"** isaan torban argama ergamootaa irraa kan dhufan mana qulqullummaa samii irraa keessaa kutaa isa keessati, kunis taayitaa isaani mul'isa, isa irraa argama Waaqayyoo irraa dhufuu isaani. Barsiisiitaan Yihudummaan ergamoota jaboo torba qabu, teessoo Waaqayyoo kan naanna'an, "ergamoota ulfina isaa" jedhamani waamamu.

Wayyaan isaanis kan mul'ifame (1)"Quncee talbaa" (linon yookaan linoun[p[47]]) innis lubootaan kan uffatamu Bau. 28:4 (UBAS[4], sadarkaa "B") yookaan (2) ASV kana kan inni hiiku Ganata Heden wayyaa ergamootaa kan jedhuu dha.

Tarreefamni barreefamaa lamaanuu kan bu'uuraa dursa-tilmaamaa (yaadannoo ilaali): (1)baay'ee dubbifamni rakkisaan tarii isa jalqabaati akkasumas (2)kan adda addaa kan ibsuu dubbifamni tarii issa jalqabaa ta'uu danda'a, achi irraas "dhagaa" fi fillannoo yaadamuu qabuu dha.

▣ **"Laphee isaani qabattoo warqeetiin hidhatan"** kun Dan. 10:5, irratti kan argamuu ergamaa wajjin wal fakkaata dha yookaan ofi isaaf Kristoos wajjin Mul. 1:18 irratti. Isaan ifatti. Isaan ifatti baay'ee ergamaa cimaa dha, Waaqayyoon yookaan Kristoosiin kan bakka bu'an.

**17:7 "Dheekamsi Waaqayyoo kan itti guutame xoofoo warqee torban"** isaan diriiroon xoofoowwan warqee 5:8 irratti eerameera, achitti kadhannaa qulqullootaa kan qabatan guutummaa mul'ataa irratti wal qabsiisuun jira, kadhanaa ijoollee ari'atamani fi warra hin amanne irratti kan ta'u dheekamsa Waaqayyo (7:14 irratti kan jiru yaadannoo ilaali).

▣ **"Baraa amma bara baraatti kan jiraatu"** kun kakuu dha, Yaahiwwee jechi jedhu hiika hundee irratti kan hundeefame (Bau. 3:14). Yaahiwween qofaa isaa jiraataadha, kan hafan hundumtuu isa irraati jireenya kan argatan. Mata duree addaa: maqaa hafuuraa 1:8 irratti ilaali.

"Baraa amma bara baraatti" mata duree addaa 1:6 irratti ilaali.

**15:8 "Ulfina Waaqayyoo fi humna haaraan mana qulqullummaa guute,"** kun kan baratame ibsa kakuu moofaa, argamuu Waaqayyo (Bau. 19:18, 40:34; 1Mot. 8:10-11; 2Sen. 5:13-14; Isa. 6:4). Kun kan Shekinah duumessa ulfinaa kan eeruu dha, innis Israa'eeliif argamuu Waaqayyoo bakka bu'a, yeroo ba'uutti, ta'us garuu xoofoowwan wajjin kan jiru hidhata akka yaada isaati, inni kan inni argisiisu kan inni danda'u irraa hafuu qumbiiti. Innis ijoollee Waaqayyo gaaffii seera qabeessaa bakka bu'a.

## MATA DUREE ADDAA: ULFINA

Akka Macaafa Quqlulluutti "ulfina" hiikuun ulfaataadha. Ulfinni amantootaa wangeela hubatanii Waaqayyo keessatti ulfina isaa qabanidha, garuu ulfina mataa isaanii miti (cf. 1:29-31; Erm. 9:23-24). Kakuu Moofaa keessatti jechi afaan Ibrootaa baay'ee beekamaa ta'ee "ulfina" *(kbd)* jechuuf gargaaru jalqabni isaa jecha daladlaaa madaala walitti jiru lama ("akka ulfaatutti") agarsiisu irraa dhufe. Wanti ulfaataan gatii qaba ture yookiin immoo mataama isaatti gati-jabeessa yeroo baay'ee jabina Waaqayyoo ibsuudhaaf yaadni ifa jedhu itti dabalama ture (cf. Ba'u 19:16-18; 24:17; Isa 60:1-2). Inni kophaa isaa

badhaadhaa fi kabajamaadha. Inni nama cubbamaa arguudhaaf (ilaaluudhaaf) dandeettii guddaa qaba (cf. Ba'u. 33:17-23; Isa 6:5). Waaqayyo dhugaatti beekamuu kan inni danda'u karaa Kiristoos duwwaadha (cf. Erm 1:14; Mat. 17:2; Ib. 1:3; Ya'iq. 2:1). Jechi "ulfina" jedhu hanga tokko ifa miti.

1. "qajeellummaa Waaqayyoo" wajjin walfakkaachuu danda'a:
2. "Qulqullummaa" ykn "raawwatee sirrii ta'u "Waaqayyoo" agarsiisuu danda'a: ykn
3. bifa Waaqayyoo isa

namni iff uumame agarsiisuu danda'a (cf. Uma. 1:26-24; 5:1; 9:6), garuu kun booddee hammeenyaan xureeffame. Kun jalqaba Ba'u 16:7,10; Lew 9:23; fi Lakk 14:10 keessatti yeroo adeemsa lafa onaa Waaqayyo saba isaa wajjin turuu isaa agarsiisuuf gargaare.

▣ **"Ergamoonni torban dha'ichi torban hanga raawwatamutti tokko illee gara mana qulqullumatti galuuf hin dandeenye"** kana jechuun kan ta'uu dheekamsi Waaqayyo al tokko yoo jalqabame akka hin dhaabbanee dha. Dheekamsi kun haala hafuuraatiin 16:9 fi 11 wajjin walitti dhufuuf rakkisaa dha, innis tokkumaa isaa oolchuun ammas yoo ta'e galma isaati, xoofoowwan irratti yoo ta'e illee abdii fi yaada qaba, mucaa namaa kufee, innis fakkaatti Waaqayyootti kan hojjetame gaabbe gara isaatti akka hin deebine!

## Mul'ata 16

### MUL'ATA : 16:1

**1Yommus mana qulqullummaa sana keessaa sagalee guddaa ergamoota torban sanan, "Dhaqaa, waciitii dheekamsa Waaqayyoo torbanuu keessaa lafa irratti gad naqaa!" jedhu nan dhaga'e.**

**16:1 "Ergamoota torba kan jedhu, sagalee guddaa mana qulqullummaa keessaan dhaga'e."** mul.15:8 kan inni argisiisuu sagaleen kun kan Waaqayyoon ta'uu isaati. Kun kan xumuraa ramaddii ergamaa taayitaa dhumaa qaba, lafa Waaqayyoo balleessuudhaaf. Kakuu moofaatti ergamaa du'aati fi ergamaa badiisaa tajaajiltoota Waaqayyooti kan seexanaa osoo hin taane.

▣ **"Deemaati xoofoowwan dheekamsa Waaqayyoo lafa irratti dhangalaasaa"** kun fakkeenya kakuu moofaati firdii Waaqayyootiif, saboota hin amanne irratti (Faru. 79:6, Erm. 10:25, Hiz. 22:31, Sof. 3:8). Jechi kun yeroo hundumaa faayidaa irra ooleera, akka haala barreefamaa kanaa irratti, dheekamsa Waaqayyoo warra hin amanne irratti (7:14, lakk. 1, 2, 3, 4, 8, 10, 12, 17 irratti yaadanno jiru ilaali) sababni isaa

1. Arabsuu isaaniitiin (lakk. 9)
2. Amantoota ari'achuu isaaniitiin (lakk. 6)
3. Rakkisoo waan ta'aniif, qalbi jijjiiranaaf diduu isaaniif (9:20-21, 16:9-12)

"Dheekamsa Waaqayyoof" 7:14 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

### MUL'ATA :16:2

**2Egaa ergamaan inni duraa achii ba'ee, waciitii isaa keessaa lafa irratti naqe; madaan sodaachisaanii fi dhukkubsaan, namoota gubaa bineensichaa of irraa qabanitti, warra bifa fakkeenya isaatiif sagadanittis in nam'e.**

**16:2** kun xoofoo isa jalqaba dheekamsa warra Gibxi isa jalqabaa wajjin baay'ee wal fakkaataa (Bau. 9:10-11). Warri tokko tokko kana kan isaan ilaalan Kes. 28:35 wajjin akka walitti dhufuu dha, kunis kakuu Musee haroomsu irratti kutaa abarsaa fi eebbaa kan qabu. Akka dha'icha warra Gibxii isaan warra hin amanne kana miidhuu hubachuun ta'u qaba.

## MUL'ATA :16:3

**3Ergamaan inni lamaffaan immoo waciiti isaa keessaa galaana irratti gad in naqe; inni akka dhiiga nama du'u keessaa dhangala'ee ta'e, wanti lubbuu qabu galaana keessa jiraatan hundinuu in du'an.**

**16:3-4** xoofoowwan lamaffaa fi sadaffaan malakata lamaffaa fi sadaffaa wajjin wal cinaa dha (Mul. 8:8-11) fi dabalatan immoo kan Ba'uu dha'ichawwan callaqisiisu, Bau. 7:17-21, Faru78:44.

## MUL'ATA : 16:4-7

**4Ergamaan inni sadaffaan immoo waciiti isaa keessaa laga irratti burqituu bishaani irrattis gad in naqe; isaan immoo dhiiga in ta'an. Yommuus, ani ergamaan waa'ee bishaanii beekudubbachuu isaa nan dhaga'e; innis, "Ati yaa isa qulqulluu, inni jirtu, inni turtes, firdii kana kennuun kee qajeelaa dha! 6Namoonni dhiiga warra siif qulqullaa'anii, kan raajootaas dhangalaasaniiru; ati immo dhiiga akka dhuganiif isaaniif laatteetta; kun wanta isaaniif ta'uu dha!" jedhe. 7Sagaleen tokkos iddoo aarsaatii, "Eeyyee, yaa Waaqayyo gooftaa hundumaa dandeessuu, firdiin kee dhugaa dhas!" utuu jedhuu nan dhaga'e.**

**16:5"Ergamaa bishaanichaa."** Kun calaqisiisuu kan danda'u keessoo kakuu Yihudii jecha Apokilaptikiiti, 1Henook 66:2. Mul'ata irratti lubbuu kan ilaalate ergamaan tokko jira (7:1) fi ergamaan tokko immoo abidda kan argisiisu(14:8), kanaaf bishaan kan ilaalate ergamaa tokko ilaaluun kan hin baratamne hin ta'u. Irra deebis, gidduu galuu kan ergamaa fi gochawwan keessoo kakuu og-barruu Apokolaptikii kan baratamanii dha. Mul'ata hiikuuf kan nurra jiru ofii isaati ifa dha, guyyaa ofi isaatti, nuun kan ammayyaa kan warra bahaa bara raawwata barumsa hafuura seera osoo hin taane.

▣ **"Ati Tolaa dha"** kun Kes. 32 (keessaa iyyuu lakk. 5) irratti kan jiru faarfannaa Musee kan eeruu dha yookaan Faru 119:137.

▣ **"Kan jiruu fi kan ture"** akka 1:4, 8, 4:8 wanti dhufaati akka <u>hin jire</u> hubadhu, gara fuulduraatti yeroon sababa <u>hin jireef</u> (11:17). Kun kan raawwataati! Kun ta'I jedhamee kan godhamee dha, waamama sadan isaa hubadhu kan 1:4. Yeroo isa booddeetti hin jiraatu! Raawwatni (jechuun, Parousia) mul'ata irra yeroo baay'ee mul'ateera, boqonnaa 19 osoo hin taane. Tokkoon tokkoon mallatowwanii, fi xoofoowwanii kan isaan xumuran deebi'ee dhufuu lammataa fi cufamuu seenaatiin dha. Ani akkan yaadutti guduunfaa yaad-rimeen mul'ata hiikuun baay'ee kan fooya'ee dha!

**16:16 "Qulqulloota"** mata duree addaa 5:8 irratti ilaali.

▣ **"Raajoota"** raajii kakuu moofaaf mata duree addaa 10:7 irratti ilaali. Jala kan jiru mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Raajii Kakuu Haaraa

I. Inni akka raajii Kakuu Moofaa kan fakkaate miti (BDB 611), innis hiika barsiisoota akka qabuu mul'ata liqimfamuu, Yaahiwwee irraa (Hoj.erg. 3:18, 21, Room 16:26). Sagallee isaa qulqulluu barreessuu kan danda'an raajoota qofa
   - A. Museen raajjummaadhaaf waamamera (Seera. Keessa deebii 18:15-21)
   - B. Kitaaba seena (Iyyaassu –moototа [ruuti irraa kan hafee] "raajoota dursa" jedhamanii waamamuu (Hoj.erg 3:24).
   - C. Raajoonni bakka amngafa lubaa qabatuu,burqaa ergaa Waaqayyoo irraa dhufuun (Isaayaas –

Milkiyaas)

D. Jechii qulqulluun Ibirootaaf ramaddii laman “raajoota” dha (Maati 5:17, 22:40, Luqa 16:16, 24:25, 27, Room 3:21).

II. Yaada rimeen Kakuu Haaraa karaa adda addaa baay’eedhaan fayyadama irra oola.

A. Gara raajoota Kakuu Moofaati fi gara ergaa liqimfamuu isaanii ilaalchiisuu (Maati 2:23, 5:12, 11:13, 13:14, Room 1:2).

B. Gara nama dhuunfaatti ergaan argisiisuu garee walii gala caalaa (jechuun, raajoonnii Kakuu Moofaa dura Isiraa’eeliif dubbatu).

C. Gara lachuutti argisiisuudhaan, gara Yohannis cuuphaatti (Maati 11:9, 14:5, 21:26, Luqa 1:76) fi Yesus akka mootummaa Waaqayyotti labsii kan dubbatan (Maati 13:57, 21:11, 46, Luqaa 4:24, 7:16, 13:33, 24:19). Yesus raajoota irra akka caalee ibsameera (Maatii 11:9, 12:41, Luqa 7:26).

D. Raajoonni kan biroon Kakuu Haaraatti

1. Jireenya durii Yesus, wangeelaa Luqaas irratti akka galmaa’eeti (jechuun, yaadannoo Maarihaam).
   a. Eelsabeeti (Luqa 1:41-42).
   b. Zakkariyaas (Luqaa 1:67-79)
   c. Simihoon (Luqa 2:25-35)
   d. Haannaa (Luqaa 2:36)
2. Raajjiiwwaan dubbii dhokataa (Qaayaafaa, Yohannis 11:51)

E. Wangeela kan labsuu fi tokkotti kan isaan argisiisan (tarreefamni labsii ayyaannaa 1 Qoro 12:28-29, Efe 4:11)

F. Waldaa kiristaanaatti hojii irra oolaaa kan jiruu ayyana kan argisiisu (Maati 23:34, Hoj.erg. 13:1, 14:32, Roome 12:6, 1 Qoro 12:10, 28-29, 13:2, Efe 4:11). Kun al tokko tokkoo dubartoota argisiisuu danda’a (Luqaa 2:36, Hoji.erg. 2:11, 21:9, 1 Qoro 11:4-5).

G. Bara raawwataa macaafni mul’ataa kan inni argisiisuu (Mul’ata 1:3, 22:7, 10, 18, 19).

III. Raajoota Kakuu Haaraa

A. Isaan mul’ata liqimfamuu hin raajaan, raajonnii Kakuu Moofaa miiraa gochaa turaniin (jechuun, jechii qulqulluun). Kun ibsa kan ta’udha, “amantii” gaaleen jedhuu irraa kan ka’e (jechuun, yaadannoowangeela xumuramee) fayyadama irra kan oolees Hoj.erg 6:7, 13:8, 14:22, Galaa 1;23, 3:23, 6:10, Filli 1:27, Yihuu 3:20 dha.

Yaad-rimen kun ifaa dha, Yihuuda 3 fayyadama irra kan oolee gaalee guutuun “qulqulootaaf yeroo tokkoo wali gala waa’ee amantii kennamee.” “Yeroo tokkoo wali galaaf” amantii kennamee kan argiisuu gara dhugaati, doktirinoota (ibsa amantii), yaad-rimee adduunyaa kiristaanaa barumsawwani. Kun kan yeroo tokkoo cimsa kennamee haala barumsa Waaqayyuummaatiin barreefama Kakuu Moofaatiin kan jiruu liqimfamuu kan murteessuu hundee Macaafa qulqulluu yeroo ta’uu (akkasumas kan boodaas ta’ee barreefamoonni biraan barsiisoota godhamee akka fudhataman hin hiyyamu. Kakuu Haaraatti wanti wal fakkaatuu baay’een , wanti hin mirkanoofnee, bakkii ifa hin taane in jiraatu, haa ta’uu malee amantitii kan cimsan amantiidhaa fi gochaaf “kan barbaachiisuu” wantootni kam illee bifa ifaa ta’een Kakuu Haaraa keessatti galfamuu isaaniti. Yaad- rimeen kun “kan mul’ata golee sadan” jedhamee kan beekamuu bifa ifa ta’een ibsameera.

1. Waaqayyo mataa isaa seenaadhaa fi yeroo bakka ibseera
2. Innis namoota barreesitoota murtaa’an fillateera, gochoota isaa akka galmeessanii fi akka ibsan (liqimfamuu)
3. Innis sammuudhaa fi laphee namootaa bannuudhaan hafuura isaa kennerra, barreefamoota kana akka hubatanii fi, bifa murtaa’een utuu in ta’in, haa ta’uu malee fayyinnaa fi milkaa’uumaaf jireenya Kiristoosiin fakkaatuu hanga ga’uu (ibsa). Kan tuqaa kanaa kan ta’uu liqimfamuu jechiichaa fi barreesitootni daangeeffamuu isaaniti. Kan biroon kan aboo barreefamoonni mul’ati, yookaan ibsa hin jiraatu. Qulqulluun sagallee isaa maxanfameera (cufameera). Waaqayyoodhaaf deebii sirri ta’uu akka laanuu fi dhugaa barbaachiisa ta’ee qabna. Dhugaan kunni haala fooya’een kan argamuu barreesitootni macaafa qulqulluu wali galuu yookiin qajeellummaa fi amantoota gaarii wali galuu dhiisuu isaaniti. Barreessaan ammayyaa kam iyyuu yookaan sagallee qulqulluu isaa irraa kan dubbatuu barreesitootni

haalaa fooya'een geggeessummaa Waaqayyummaa hin qabu.

B. Karaa tokko tokkoon raajoonni Kakuu Haaraa Raajoota Kakuu Moofaa wajjin wal fakkaatu.
   1. Dhugaa dhufuu raajuudhaan (Phaawulos Hoji.erg 27:22, Agaabos Hoji.erga 11:27-28, 21:10-11, kan biroon maqaan kan hin heeramnee raajota Hoji. Erga 20:23).
   2. Murtii beeksiisu (Phaawulos Hoji.erga 13:11, 28:25-28).
   3. Gochawwaan wal fakkaatan, isaanis dhugaa tokkoo akka mul'atu godhanii argisiisu (Agaabos Hoji.erga.21:11).

C. Isaan al tokko tokkoo karaa raajiitiin dhugaa wangeelaa in labsu (Hoji.erg 11:27-28, 20:23, 21:10-11), kun garuu xiyaafannoo duraa miti. Raajuun 1 Qoro wangeela hir'uu dha (14:24, 39).

D. Isaan galumsa haalaa hafuuraati, dhugaa Waqayyoo haala yerootii fi gocha raawwachuu wajjin, waa'ee haala haaraa, aadaa, yookaan yeroodhaaf sa'aati kan argisiisaan (1 Qoro 14:3).

E. Isaanis waldaa kiristaanaa isa durii kan Phaawulos damaqinaan in raawwatu turan,(1Qoro 11:4-5, 12:28, 29, 13:29, 14:1, 3, 4, 5, 6, 22, 24, 29, 31, 32, 37, 39, Efe 2:20, 3:5, 4:11, 1 Teso 5:20) akkasumas Didache heerameera (kan boodaa jaarraan tokkoon yookaan jaarraa laman) guyyaan isaa beekamaa miti), akkasumas jaarraa lama fi sadan Kaaba afrikaa Montaniziim.

IV. Kan Kakuu Haaraa kennaan hafuura qulqulluu dhaabeeraa hii?

A. Gaaffii kana deebisuun in ulfaata dhimma isaa ibsuu wayya, kaayyoo ayyaannaa ibsuudhaan. Isaan kan jedhani ka'umsi lallaba wangeelaa cimsuu dhaahii yookaas karaa itti fufenya qabuun tajaajila waldaa kiristaanaatii fi biyyaa lafaa badeefi?

B. Tokkoo gaaffiicha deebisuuf ilaaluun kan irra jiru seenaa waldaa kiristaanaatii yookaas Kakuu Haaraan mataa isaa ti? Kennaan hafuura qulqulluu Kakuu Haaraa kan yeroo ta'uu isaa wanti argisiisuu in jiru. 1 Qoro 13:8-13 fayyadamuu kan isaan yaalaan isaan dhimma kana deebisuudhaaf yaada keeyatichaa isa guddaa wallin dha'uu, kunnis, wanti hundumtuu jaalala irraa kan hafee darbuu isaa kan cimsu.

C. Ani dubbachuudhaaf kan na qoruu, Kakuu Haaraa dha asitti seenaa waldaa kiristaanaa osoo hin ta'in taayiitaa kan qabuu, amntooti dirqamatti jabessuu kan qaban ayyaanootaa itti fufeenya ta'uu isaaniti. Ta'us, aadaan hiika irrati dhiibbaa akka qabu nan amana. Tokko tokkoo baayee ifa barreefamni ta'an kana boodee hojii irra in oolaan (jechuun, wal dhunguu qulqullaa'aa, marata dubartiin uffattu, walitti qabama waldaa kiristaanaa manatti k.k.f…). Aadaan barreefamatti dhiibbaa yoo qabaate, seenaan waldaa kiristaanaas akkamiti ree?

D. Kun gaaffiidha yyuu, innis sirritti deebi'uu kan hin dandeenye. Amantootni tokko tokkoo "gargar kutuu" in degeruu, kan biroon immoo "gargar cituu dhiisuu isaa". Naannoo kanatti akka dhimma hiikoota baay'eetti, lapheen amanaa furtuu dha. Kakuu Haaraan qabatamaa kan hin taanee fi kan aadaati. Rakkisaa kan ta'uu barreefama isa kamtuu kan aadaa/dhiibbaa seenaa akka qabuu fi isa kamtuu yeroo hundumaatii fi aadaa akka ta'aanii murteessuu danda'uu irratti (Fee fi Stuart's How to Read the Bible for All it's Worth (macaafa qulqulluu fayyadama isaa guutuu wajjin akkamitti dubbisuun akka danda'amu) fuula 14-19 fi 69-77). Asitii kan birmadummaatii fi itti gaafatamumman ibsaa kan ta'an, isaanis Roomee 14:1-15:13 fi 1 Qoro 8-10 kan argamanii fi murteessoo dha. Akkamitti gaafficha akka deebifnu karaa lama fayyada.
   1. Tokkoon tokkoon amanaa ifa qabuuni amantiidhaan dirqamatti adeemuu qaba. Waaqayyoo laphee keenyaa fi yaada keessa keenyaa ilaala.
   2. Tokkoon tokkoon amanaa amantoota kan biraa hubannoo amantaa mataa isaanitiin akka deeman dirqamatti hiyamuu qaba. Wal dandda'uun dirqamatti jiiraachuu qaba daangaa macaafa qulqulluu keessatti. Waaqayyoo wali walii keenya akka jaallanu in barbaada, inni akka godhee hundumaa.

E. Dhimmicha guduunfuudhaaf kiristaanuumaan kan amantii jireenya jaalalaati xin-waaqummaa mudaa malee utuu hin ta'in. isa wajjin walitti dhufeenyi qabnu akkasumas kan biroo wajjin wallitti dhufeenya qabnu dhiibbaa kan uumuu, ragaa murtaa'ee yookaan geggeesummaa amantii kan ta'ee raawwatee fi caalaatti baay'ee kan fayyaduu dha.

**16:7 "Iddoo aarsaatti osoo dubbatuun dhaga'e"** gaanfawwan iddoo aarsaa duraan dursame dubbatameera, 9:13 irratti. Kun kan inni eeru (1)iddoo aarsaa jala kan jiran lubbu qabeeyyi (6:9; 14:18) yookaan (2) kadhannaa ijoollee Waaqayyo (8:3-5(. Innis akkasumas cimsa namoomsa jal'atee ta'a.

▣ **"Hundumaa kan bittu Waaqayyo gooftaa"** 15:3 irratti kan jiru yaadannoo fi mata duree addaa 1:8 ilaali.

▣ **"Firdiin kee dhugaa fi qajeelaa dha"** kun kan Faru 19:9; 119:137 kan eeruu dha. Kun hubachuuf kan gargaaruu dha, kana fakkaatee ari'atama dhiphisaa keessa utuu jiranii kiristaanootni (15:4 fi 19:2). Waaqayyo guyyaa tokkoo waan hundumaa ni sirreessa!

## MUL'ATA : 16:8-9

**8Ergamaan inni afuraffaan immoo waciitii isaa keessaa biiftuu irratti gad in naqe; inni immoo ibdda isaatiin namoota waxaluun in kennameef; 9namoonnis ho'a sodaachisaa sanaan in waxalaman. Kana keessaa immoo isaan Waaqayyoon isa dha'icha kana hundumaa irratti gooftummaa qabu maqaa balleessan malee, yaada garaa isaanii hin geddaranne, Waaqayyoofis ulfina hin laanne.**

**16:8** xoofoo afuraffaan kun 6:12 irratti kan jiru mallattoo jahaaffaa wajjin wal fakkaataa dha akkasumas 8:12 irrati kan jiru mallakata afuraffaa wajjin baay'ee wal fakkaata dha.

▣ **"Namootas abiddaan akka gubduuf kennameef."** Aduun akka namatti fudhatamteetti, Faru. 19:1-6 akka godhamteetti. Waaqayyo qaama samii ni to'ata (Uma. 1:14-19). Waaqa tolfamoo miti. Isaan kan hojjettan akka abbaa ergaatti (argama uumamaa) fi mallattowwan waqtillee (waaqefannaaf).

## MATA-DUREE ADDAA: ABIDDA

Caaffata qulqullaa'aa keessatti abiddi lachanuu hiikaa alta'aa fi abdachiisaa /bu'a qabeessa/ ta'aa (positive) ta'e qaba.

A. Ta'aa (Positive)
   1. Ho'a (Ki. Isa. 44:15, Wang. Yoh. 18:18)
   2. Ifa (Ki. Isa. 50:11, Maat. 25:1-3)
   3. Bilcheessuu (Ki. Se.Ba. 12:8, Isa. 44:15-16, Yoh. 21:9)
   4. Qulqulleessuu (Ki. Se.Lak. 31:22-23, Fak. 17:3, Isa. 1:25, 6:6-8, Erm. 6:29, Milk. 3:2-3)
   5. Qulqullina (Ki. Se.Uum. 15:17, Se.Ba.3:2, 19:18, Hisq. 1:27, Ibr. 12:29)
   6. Geggeessaa Waaqayyoo (Ki. Se.Ba. 13:21, Se.Lak. 14:14, 1Moot. 18:24)
   7. Aangoo Waaqayyoo (Ki. Hoj. Erg. 2:3)
   8. Eegumsa (Ki. Zak. 2:5)

B. Alta'aa (Negative)
   1. Gubuu (Ki. Iyy. 6:24, 8:8, 11:11, Maat. 22:7)
   2. Mancaasuu (Ki. Uum. 19:24, Se.Leew. 10:1-2)
   3. Aarii (Ki. Lakk. 21:28, Isa. 10:16, Zak. 12:6)
   4. Adabbii (Ki. Uum. 38:24, Leew. 20:14, 21:9, Iy. 7:15)
   5. Mallattoo sobaa bara dhumaa (Ki. Mul. 13:13)

C. Aariin Waaqayyo Cubbuutti aaru bakabuusa abiddaan ibsama
   1. Aariinsaa hin boba'e (Ki. Hoos. 8:5, Zef. 3:8)
   2. Inni abidda hin dhangalaasa (Ki. Naah. 1:6)
   3. Abdidda bara baraa (Ki. Erm. 15:14, 17:4)
   4. Firdii/Murtoo/ bara dhumaa (Ki. Maat. 3:10, 13:40, Yoh. 15:6, 2pheex. 3:7-10, Mullata/ mul'ata 8:7, 16:8)

D. Akkuma bakka buusota danuu macaafa qulqulluu keessatti argamanii (kan akka raacitii leenca), akkasumas abiddis akka galumsa isaatti eeba ykn abaarsa ta'uu danda'a.

**16:9 "Ulfinna akka siif kennaniif qalbi hin jijjiranne."** Dheekamsi Waaqayyoo mallattoowwani fi mallatoota kaayyoo oolchuuti (9:20-21; 14:6-7; 16:9, 11), ammam illee rakkisaan, mucaa namaa isa fincilaa qalbi jijjirachuuf tolee yoo jechuu baate. Xoofoowwan irratti abdiin qalbi jijjirachuu darbeera, firdii qofa kan hafu!

## MUL'ATA :16:10-11

**10Ergamaan inni shanaffaan immoo waciitii isaa keessaa teessoo bishaanichaa irratti gad in naqe; mootummaan bineensichaas dukanaan in liqimfame; namoonnis dhiphina irraa kan ka'e araba isaani in cicciniinan. 11 Dhiphina isaanii fi madaa isaanii irraa kan ka'es, Waaqayyo gooftaa waaqaa maqaa balleessan malee, yaada garaa isaanii geddaratanii hojii isaanii irraa hin deebine.**

**16:10 "Xoofoo isa shanaffaa teessoo bineensichaa irratti dhangalaase,"** teessoon seexanaa bineensichaaf kennameera 11:7 irratti. Humni isaas 13:2 irratti mul'ateera. Kun kan inni argisiisu sa'atii raawwata isaatti magaalatti guddoo dha, mootummaa biyya lafaa tokko.
▣ **"Mootummaan isaa"** seexanii Waaqayyoon fakkeessa. Waaqayyoo mootummaa akka qabu hundumaa, seexannis mootummaa qaba. Isaan boqonnawwan hafan kana hundumaatti Waaqayyoo Kristoosiin tajaajilli inni qabu isa hamaa karaa sadiin fakkeessuun godhameera. Mootummaa seexanaaf, karaa bineensichaankan addunyaalessaa 'ta'eera (13:14-17).

▣ **"Dukkana taate"** kun dha'icha warra Gibxii kan biraa eeruu dha (Bau. 10:21-23). Waaqayyo ifa ni to'ata (8:12; 9:2; Uma. 1:5, 14-18).

**16:11 "Waaqa samii irra arabsan,"** isaan warri hin amannee kun burqaan dhiphina isaanitti fi sababa isaa hubataniiru, ta'us garuu gaabbani gara Kristoositti hin deebine! Gibxi irratti kan xuran dha'ichawwan kan ergaman waaqayyolli sobaa Gibxii bakkeetti baasuuf ture, warri Gibxiis Waaqa Isiraa'eel akka amanan gochuudhaaf. Kes. 27-28 irratti kan jiran "abarsawwan" kan ergaman Yihudoota warra hin amanne deebisuuf ture, gara amantii fi aboomamuuti. Firdii oolchuudhaf galma qaba (isa dhumaa irraa kan hafe)!

"Waaqa samii" kan jedhu waamamni duraan dursee 11:13 irratti faayidaa irra oleera kan inni callaqisiisuu kan warra Baabilobii fi kan Faariis waamama hafuuraati, innis Daani'eelin irra deddeebi'amee faayidaa irra kan oole (Daani'eel irratti yaada bal'aa koo 2:18 www.freebiblecommentary.org irratti ilaali).

## MUL'ATA : 16:12-16

**12Ergamaan inni ja'affaan immoo waciitii isaa keessaa Efraaxis laga guddicha irratti gadi in naqe; bishaanichi in goge, mootonni warra ba'a-biiftuu akka dhufanifis karaan in banameef. 13Yommuus ani afaan bineensa isa akka jawwee sana keessaa, afaan bineensicha isa kaanii keessaa, afaan raajii sobduu keessaas hafuurota seexanaa warra milikkita garaa garaa argisiisanii dha, isaan kun mootota, guutummaa biyya lafaa lola guyyaa isa guddicha kan Waaqayyoo hundumaaf warra ba'anii dha. 15Sagaleen tokkos, "Kunoo, ani akka hattuun dhuftutti nan dhufa, namni dammaquu, namni qullaa isaa adeemee saalli isaa bakkeetti akka hin mul'annetti, uffata isaa eeggatu haa gammadu!" jedhe. 16Hafuuronni hamoonni sun mootota sana iddoo afaan Ibirootaatti "Armaagedoon" jedhamutti walitti in qaban.**

**16:12 "Xoofoo isa ja'affaa laga isa guddicha Efraxis irratti naqe,"**lagni kun 9:13-19 irratti eerameera, loltootni hafuura hamootaa daangaa isaani yeroo kutuu, mucaa namaa dhiphisuu. Kkusaan laga Efraxis biyyatti abdii kan samuu daangeessu irratti dha, akkasumas bittaa Roomeetti daangaa alaanii. Asitti kan fakkiduu kan loltu hafuura hamaa kan yaadaman hundee seenaatiin kan Farisootaa bakka dhiphinaati. Isaan cimoon diina Roome kan marsan loltoota Roomaaf jeequmsa turan.

▣ **“Bishanichis goge”** kakuu moofaatti irra deddeebi’amee gogiinsi bishaanii mul’ateera, akka gocha Waaqayyooti, akka mul’ate

1. Galaana diimaa (Bau. 14:21)
2. Laga Yordaanos (Iya. 3:17)
3. Barreefamota raajootaa keessatti bakka baay’eetti (Isa. 11:15-16; 44:27;Erm. 51:36; Zakk. 10:11)

Kun fakkeenya gocha foonii kan ta’u, Waaqayyo kan bara raawwataa walitti bu’iinsi dhumma irra akka ga’uu hiyyamuu dha. Innis haala barumsa hafuuraan 2Tas. 2:6-7 wajjin wal cinaa dha, “maal/eenyu murteessi akka jedhe.”

▣ **“Gara baha biiftuuti warra dhufan moototaaf karaan akka sirraa’uuf”** mareewwan baay’een geggeefamaniiru, “mootota ba’a biiftuu” lakk. 12 irratti kan jiran “mootota guutummaa biyya lafaa” lakk. 14 wajjin akkamitti walitti akka dhufu:

1. Tokkoo dha
2. Waliif diinaa dha (deebi’ww dhufuu Neeroo himtee fi loltuu fardaa)
3. Mootota baha biiftuu kan argisiisan loltoota Waaqayyooti

Akkas yoo ta’ee, inni Waaqayyo saba isaa Baabiloni waamuudhaaf fakkiduu eeruu dha (Isa. 41:2; 25; 45:1-3; 46:11). Haala barreefamichaa irraa jechuu kan danda’u mootota baha biiftuu Waaqayyoof meeshaa dha, loltu bineensichaa akka miidhaniif (jechuun, kan seenaa waabii , warri farisootaa Roomee akka miidhan) . ta’ees, lakk. 14 fi boqonnaa 19 fi 20 kan argisiisan loltuun namaa tokko qofti jiraachuu dha, Waaqayyoon mormuudhaaf kan degeruu (faru.2;Erm. 25:15-26).

**16:13 “Afaan jawwichaa fi afaan bineensichaa afaan raajoota sobduu”** kun yeroo jalqabaatiif bineensa isa lamaffaa (13:11) “raajii sobduu” jedhamee kan waamame, ta’us garuu ammaan booda maqaa kanaan yeroo yerootti kan inni eeru (16:13; 19:20, 21:10).

Isaan kun sadan kan isaan argisiisan kan seexanaa yeroo jedhan kan jedhuu dha, innis sadarkaa sadiin kan uwwifamu: Bineensi lamaanuu olqa Armaagedoon (lakk. 12-16) fi seexanni lafa Kristoositti bara mo’uu isa dhumaa irratti (20:7-10).

▣ **“Raachawwan kan fakkaatan hafuurota xurawoota sadi”** “xurawaa” jedchi jedhuu wangeela kakuu haaraatti faayidaa irra kan oole hafuura hamaa argisiisuudhaaf. Maaliif raachawwan akka fakkaatan baay’ee wali nama dha’eera:

1. Kun kan dha’icha Gibxii eeruu isa kan biraa dha (Bau. 8:6)
2. Warra Zorestirootaan raachoonni daangaa kan hin qabne fakkeenya hamoo dha
3. Isaanis bineensoota qulqulluu hin taanee kan argisiisani dha (Lew. 11:10, 31)

## MATA DUREE ADDAA: AFUURA XURAA’AA/JINNII

A. Namootni bara durii seensoosarii (animists) dha. Namoota cimina qaban human uumamaa, Bin eeldota, fi waantota uumamaa cimsanii laalu. Jireenyi illee Afuura akkasii keessaan ilaalama.
B. Namoomsuun kunis waaqolii danuu (polytheism) fide yeroo hedduu (*genii)* waaqolii gadaanoo (gaarii ykn gadhee) kannaa jireenya namaa irratti taatee qabanidha.
   1. Meesoopootaa miyaa, jeequmsa fincila
   2. Ejibt (Missira) jajajuu fi hojjechuu
   3. Kana’an W.F. Albrights Archaeology and Religion of Israel, Fith Ed. fuula67-92 ilaali.
C. Kakuu Moofaa waan seera Tokkummaa’a (monotheism) hordofuuf, waaqolii xixiqqoo (gadaanoo) kanneeniif bakka hin kennu. (cf. Ba’u 8:10:9:14; 15:11; S.Kees. 4:35:39; 6:4;; Far. 35:10; 71:19,86:6; Isa. 46:9; Erm. 10:6-7; Mik.7:18). Waaqolii sobaa warra waaqa hin beeknee kan ibsu (*Shedim*, cf. Kees. 32:17; Far. 106:37) fi maqaa muraasa isaaniis yoo waamureeruu.:-
   1. *Seim* (Jinnii rifeensa qabu. cf.Lew. 17:7 2Mot. 11:15)

2. *Lilith* (dubortii, Jinnii saaldessu (seducing demon) cf. Isa. 34:14
3. Muuet (Jecha Ibirootaa du'aaf tajaajilu, waqottii lafa jalaa. Isa 28:15; 15;12; Erm 9:21
4. Resheph (plague, cf. Skees 33:29; Far. 78:48, Haba 3:5)
5. Dever (pestilence, Far. 91:5-6; Hab. 3:5)
6. Az'azel (Jinnii gammoojjii, maqaa bakkaati. cf. Lew. 16:8,10,26)

   (Fakkeenyoonni kunniin Encyclopaedia Judiaca, War. 5 fi 1523 irraa fudhaman). Haa ta'u malee, YHWH Kakuu Moofaa keessaa irraa lama ta'uun ykn bilisummaan ergamummaa hin jiru. Sexanni hojetaa YHWH (cf. Iy. 1-3; Zakkaariyaas 3), walaba ta'uu diina ofiinof qajeelchuu miti (cf. A. B Davidson, *A Theology of The Old Testament*, ff. 300-306

D. Judizimiin (judaism) kan inni eegale yeroo boojuu Baabiloon (Dh, K.D. 586-538) tti. Inni gama Tiyooloojiitiin waaqa warra peershiyaa kan "Zoroostrianism" kan lamummaa (dualism) qabun kan waaqiisaanii Inni gaarii fi guddaan/olaanaan Mazda ykn Ormazd Inni hamaan isaan falmu immoo "A hriman" jedhamuun jeeqamee ture. Kunis bara boojuun booda judizimii keessatti lamummaa YHWH fi Ergamoota isaa, seexanaa fi Ergamootaisaa gidduutti uumeera.

   Barsiisa gudizimii keessatti Afuurri hamaan sanadaa'ee kan inni ibsame "Altred Ed ershiim's The life and Times of jesus the massiah, Vol. 2. Appendex XIII (Fuula 749-863) fi XVI (fuula 770-776)" keessatti dha. Afuurri hamaan (Jinniin) Judizimii keessatti karaalee sadiin ilaalama.

   1. Seexana ykn saama'eu
   2. Yaada hamaa ((*yetzer hara*)) dhalli namaa qabu.
   3. Du'a fiddoota ergamootaa./ Ergamoota du'aa.

   "*Ed ersheim*" yeroo ibsu (1) Himataa, (2) Qoraa, (3) Adabaa (Vol. 2. pp 756).Amantii Yihudii bittaa jala turee duraa fi dhihaachuu fi ibsamuu hammeenyaa gidduu garaagarummaan ti'oolojii mul'ifame ni jira.

E. Kakuu Haaraa keessattuu, wangeelotni. Jiraachuu fi mormii Afuurotni Hamoon namummaa dhuunfaa fi YHWH irratti qaban ni ibsu. (Judizimii keessatti Seexanni diina dhala namaati malee, diina waaqayyoo miti). Isaanis fedhii, bulchiinsa seeraa fi Mootummaa Waaqayyoon warra mormaniidha.

   Yesuusis Afuurota jinnii kana akka (1) Afuura Xuraa'aa, (Luq. 4:36:6:18) ykn (2) Afuura hamaa jedhee ibseera. (cf. Luq. 7;21; 8:2) dhala namaatirraa. Yesuus ifumatti dhukkuba (foonii fi sammuu) fi seexanaa gidduu gargaarummaa uumeera. Hafuurota hamoo kanniin hubachuu fi baasuudhaan Inni ilaalcha humnaa fi hafuufa Isaa hubatanii Isas argisiisuuf carraaqqanii turani, garuu immoo Yesuus dhuga ba'uumsa isaanii hin fudhanne ture; callisuu isaanii ni barbade, akkasumas immoo humnaan isaan ni baase. Humna Hafuura hamaa baasuun mallattoo moo'atamuu mootummaa seexanaati.

   Hanqinni odeeffannoo ergaawwan bartootaa dhimma kanarratti Kakuu Haaraa keessatti waan nama dhinqisiisuudha. Humna hafuura hamaa baasuun akka kennaatti ykn sirna tooftaa uumuu ykn wal duraa duuba dhaloota ergamoota wangeelaa ykn amantoota egeriitiif kenname ta'uun isaa gonkumaa hin himamne.

F. Hammeenyi dhugaan kan jiru, namummaa dhuunfaa, kan jiraatudha. madda isaas ta'ee kaayyoon isaa hin ibsamne. Wangeellis dhugaa jiraachuu isa fi mormituu cimaa ta'uu isaa ibseera. dhugaasaa yoo ilaale waaqni lama hin jiru. waaqayyo hundumaa mo'eera, Afuurri hamaan mo'ameera. Ittis faradamee uumama keessaa ba'eera.

**G.** Sabni waaqayyoos afuura hamaan mormuu qaba. (Mat. 4:7). isaan mo'amuu hin qabani. (1Yoh. 5:18), garuu ittiin qoramuu fi dhugaan isaanii cabuu danda'a. (Efe. 6:10-18). Amantootni mo'icha kiristoosiin deddeebi'uu qabu. Kiristiyaanonni hammayyaa mirga hafuura hamaa qulqulleessuu (the demythologizing of Rudolf Baltmann); hafuura hamaa humna dhabsiisuu (qindoomina hawaasaa (the social structure of Paul Tillich) ykn immoo jechoota mul'isoo ta'aniin guutummaan guututti isa ibsuuf yaaluu hin qabanu (Sigmud Freud). Dhiibbaan isaa bakkuma hunda kan jiru, ta'ullee moo'atameera. Amantoonni injiannoo Kiristoos kessaan deddeebi'uu qabu.

**16:14 "Mallattoo kan godhatan hafuurota seexanaa waan ta'aniif"** isaan mallatoowwanii fi waan ajaa'ibsisoon warra hin amanne hundumaa akka dogogorsan hubachuun baay'ee barbaachiisa dha, ta'us garuu ijoolleen Waaqayyo tokko tokkoo illee (13:13; Mat. 24:24, Mar. 13:22, 2Tas. 2:9-11) kun kan dhumaa rammadii barreefamaa (xoofoowwan) ijoollee Waaqayyoo irratti maal akka ta'u fi lafa irra kan

jiraatan irratti maal akka ta'u kan wal dorgomsiisuu dha. Kristoos kan dhugaa, qajeelinaa, fi sagalee araaraa dubbata, lafa irratti nagaa fiduuf, ta'us garuu kan hafuroota hamootaa raachootni seexanoota soba dubbatu, akkasuams warra hin amanne lolaaf walitti isaan qabu.

▣ **"Gara guutummaa mootota biyya lafaati in ba'u"** kun ta'uu kan inni danda'u Faru. 2:2 kan eeruu dha, inis dhuma boqonnoota mul'ataa fakkeennoo kan caasese.

▣ **"Guyyaa Waaqayyoo isa hundumaa bituutti gara lola ta'uutti akka isaan geessan"** ibsa guyyaa dhumaatti 6:2-8; 11:7-10; 12:17; 16:14; 17:14; 19:19 fi 20:8 irratti dha. Isaan kun hundumtuu kan bakka bu'an waraana tokko ilaalcha adda addaatiin jedhame fudhachuun in danda'ama (jechuun, wal cina).

**16:15** kun hammatuu gaalee jecha Kristoosiin qabateera, saba Waaqayyoo jajjabeesuu fi of eegachisuuf kan karoorfame. Kun amantootaaf kan ta'an eebba torban keessa isa sadaffaa dha (1:3; 14:13; 16:15; 19:9, 20:6, 22:7; 14).

◘ **"Akka hattuu ta'een dhufa"** isaan jechi Yesuus (Mat. 24:43-44; Luq. 12:39-40) duraan durse Mul. 3:3 irratti faayida irra ooleera, 1Tas. 5:2 fi 2Phex. 3:10 irratti eerameera. Innis kan inni argisiisu yeroo akkamittuu, akka tasaa Kristoos firdiif akka dhufuu dha parousia (lammatta dhufuu).

## MATA DUREE ADDAA: LAMMATA DHUFUU

Kun akkuma jiruti "hanga lammaffaa dhufuutti" hiiki "argamuu" dha, faayidaa irra kan oolu daawwachaa mootiti. Kan biroon jechoonni kakuu haaraa, lammata deebi'ee dhufuuf faayidaa irra kan oolan (1)epiphaneia, "fuulaa fulaatti", (2)apokalupis, "golgaa malee", fi (3)"guyyaa gooftaa" fi gaalee kana adda addaa baasuu.

Kakuu haaraan kan barreesse ilaalcha addunyaa keessatti dha, cimsa kan itti laatus

1. Isa hamaa ammaa, bara fincilaa
2. Kan dhufu bara tolaa
3. Kunis kan dhufuu karaa hafuuraatiin hojii Masihii ti (kan dibame)

Itti fufiinsa kan qabu mul;atni tilmaama barumsa hafuuraa barbaachiisa, sababni isaa barreesitoota kakuu haaraa abdi Israa'eel akka ta'uutti waan fooyyesaniif. Waraana irraa biyya irratti kan xiyaaffate (Israa'eel) bakka dhufaati Masihii dhufaatiin lama jiru. Dhufaati jalqabaa hafuurri foon uffachuu dha, Yesuus namni Naazireeti garatti hafuu fi dhalachuu. Inni kan dhufee waraanaan kan hin taane, kan firdiidhaan kan hin taane "rakkina kan fudhatu tajaajilaa" ta'eeti, Isa. 53; dabalataniis ilmoo harree irra kan ta'uu (farda lolaa yookaan gaangee mootii osoo hin taane), Zak. 9:9. Dhufaatiin jalqabaa isa isa haaraa bara Masihii eebbisiseera, mootummaa Waaqayyoo lafa irratti. Bifa tokkoon mootummaan isaa as jira, garuu immoo lbifa kan biraan ammas fagoodha. Dhiiphaa kana dhufaatti Masii lamaan, bifa ta'een lamaanuu bara Yihudootaatti, kan hin argamne kan isaan ibsa itti laatan, yookaan yoo xiqaatee kakuu moofaatti ifoo miti. Dhugaa isaan, dhufaatiin dachaan cimsa kan inni itti laatu garaa kutachuu Yaahiwweeti, nama hundumaa fayyisuuf (Uma. 3:15, 12:3, Kes. 19:5 fi lalaba raajootaa, keessaa iyyuu Isaayasii fi Yoonaas.

Waldaan kristaana raajiin kakuu moofaa raawwatamuu hin eegatu, sababni isaa raajiin baay'een dhufaatti isaa jalqabaa waan eeraniif (kitaaba qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin waa'ee dubbisuu, fuula 165-166). Amantootni abdi kan isaan godhatan kan du'aa ka'uu mootii mootootaa fi gooftaa gooftootaa, abdiin kan irratti godhame bara tolaa haaraa raawwatamni seenaa lafa irratti, waaqa irratti akka ta'e (Mat. 6:10). Labsiin kakuu moofaa sirri kan hin taane hin turre, ta'us garuu kan hin xumuramne malee. Inni deebi'ee in dhufa raajootni akka raajanitti, humna fi aboo Yaahiwween.

Lammata debi'ee dhufuun jechi kitaaba qulqulluu miti, ta'us garuu yaad-rimee ilaalcha addunyaa fi daangaa guutuummaa kakuu haaraa ni boca. Waaqayyo hundumaa sirritti teesisa. Waaqayyoo fi bifa isaatti kan uumame gidduutti kan jiru firooma fakkaata. Hamaan itti faradama in dhabamsifamas. Kaayyoon Waaqayyo kan kufu hin ta'u, hin danda'us!

▣ **"Damaqee uffata isaa kan eegatu eebbifamaa dha"** kun eebba torban keessa isa sadaffaa dha, amantoota amanamoof kan kenname (1:3; 14:13; 16:15; 19:9; 20:6; 22:7, 14). Kunis guutuu guuttutti yoo ta'uu baates barri dhumaa of eegachiisaa guduunfaati Mar. 13:33-37, Luq. 12:37 irratti kan argamu. Lakkoofsi kun naannoo isaan ala ta'uu tu irra jira, dhoksaati butamuu waldaa kristaanaa yaad-rimeen, yeroo ari'ataamaa dura ta'uun isaa yoo

mirkanaa'ee.  Egaa Yesus waa'ee eenyuuti kan inni dubbatu? Mat. 24:37-42 web sayitiin ilaali www.freebiblecommentary.org irratti.

▣ **"Qullaa isaa akka hin deemne qaani isaas akka hin ilaale"** kun kan Mul. 3:18 kan eeru ta'a. kakuu moofaatti qullaa ta'uun fakkenya firdiiti (Hiz. 23:29, Hos. 2:3, Amos. 2:16, Mik. 1:8). Ta'us, inni fayyummaa dhabuu hin argisiisu, ta'us garuu hoji isaanittii fi lammata deebi'ee dhufuu Kristoof akkaatee jireenya isaanii amantii dhabiinsa kan qabanii fi kan qaanefatan kristaanoota. Yesus akka abba firdii fi akka abbaa mo'ichaati ta'ee dhufuu, innis kan Yihudii deebi'uu Masihii  sirritti akka eegan, 19:11-16 irratti ibsameera.

**16:16 "Isaanis bakka tokkotti walitti qabuu"** kun 20:8 irratti irra deebi'ameera.

▣

**NASB** **"Ibirootaan Armaagedoon jedhama"**
**NKJV, NJB** **"Ibirootaan Armaagedoon"**
**NRSV** **"Ibirootaan Armagedoon jedhama"**
**TEV** **"Ibirootaan Armagedoon"**

Jechi kun qubee adda addaatiin barreefamoota Girikii baay'ee irratti kan barreefame. Maqaa kana ibsuuf yaad-rimeewwan baay'een jiru (innis og-baruu Ibirootaanis ta'ee Girikiin bakka kamitu kan hin argamne).

1. Innis kan inni eeruu "gaaraa Meedigooti" , bakka gosa Minaaseetti kara kaabaatiin magaalaa jirtu, bakka ol ka'aa irrratti kan ijaaramte
2. Inni kan inni argisiisuu "magaalaa Medigooti" , rakkoon isaa garuu kun sirritti waamama qubee magaalatti ta'uu dhiisuu isaati
3. Inni "gaara walitti qabamaa" jedhamee waamama, Isa. 14:13 irratti kan jiru, kan inni eeruu kan malakataa ga'umsa gaaraati, seexani kan miidhu
4. Inni kan inni eeruu guutummaa biyyatti kakuuti ("gaara Israa'eel" Hiz. 38:8, 20, 21; 39:2, 4, 17)
5. Inni kan inni eeruu "gaara ija qabeessa" dha, innis Yerusaaleemmiin kan fakkeennoo kan godha, kan isaan kana bara dhumaa bakka waraa'nsaa baay'ee, gaarii fi hamaa gidduu kan godhaman (Raajii Iyu'eel)
6. "kan Medigo" hiiki hundee "kutuu yookaan miidhuu" ta'uu danda'a, kanas "gaara badiisaa" jedhamee eeramuun, Erm. 51:25, fakkeenya kufaati Room.

Yohaannis magaalaa beekamaa filatee qubee isaa akka ta'uutti baasuuf (Metizeger, yaada bal'aa barreefamaa , fuula 755). Kunis 7:5-8 irratti kan jiruu sirrii kan hin taae ibsa gosoota kudha lamanii wajjin wal fakkaataa dha, fakkeenyummaa uumamaa isaanii argisiisuuf. Kun hiika fakkeenyummaan dabalataan mul'ata, "Ibirootaan" fayyadama gaalee jedhuun, innis fakkeenyummaa kan argisiisu, akka 9:11. Sirrii dha, olqa Jejireel yookaan kan gaaraa Isdiraloon baayinaan bakka waranaa kakuu moofaa ture (Abo. 5:19-21; 2Mot. 9:27, 23:29-30, 2Mot. 35:22, Zak. 12:11). Kun humnoota warra Mesopotaamiyaa kara kaabaan sarara marfamuun kan isa hamaa fakkeennoo aadaa ta'eera (Isa. 14:31;Erm. 1:13-14; 4:6; 10:22, 46:20-24, 47:2-7, 50:3, 9, 41, 51:48, Hiz. 38:6, 15, 39:2).

## MUL'ATA :16:17-21

**17Ergamaan inni torbaffaan immoo waciitii isaa keessaa qilleensa keessatti gad in naqe; sagaleen guddaan tokkos mana qulqullummaa keessaa, teessoo sana biraa ba'ee, "Ta'eera!" jedhe. 8Balaqqessi in balaqqeessa'e; sagaleen biraa, qaqawwenis wal jalaa in qaban, laftis guddisee in socho'e; guddinni socho'a lafaa sunis erga namni lafa irratti uumamee, sanyiin isaa takkaa kan hint a;inii dha. 19MAndarri guddichi kutaa sadiitti gargar cabe, mandaroonni saba biyya lafaa in jijjigan; Waaqayyo immoo Baabilon guddittiin xoofoo dheekamsa isaa isa sodaachiisaa keessaa akka dhugduuf isheedhaaf kennuu in yaadate. 20Biyyi bishaan keessaa hundinu baqatee in sokke, tulluunis hin argamne. 21 Cabbiin dhagaa gurguddaa, tokkoon tokkoon isaa akka kilo giraamii jaatama ulfaatu waaqa keessaa namoota irrra in bubbu'e; dha'ichi cabbie sunis baay'ee guddaa sodaachisaa waan ta'eef, isa irraa kan ka'e namoonni Waaqayyoon maqaa in ballessan.**

**16:17 “Ergamaan torbaffaan xoofoo isaa qileensa keessatti dhangalaase”** kun mootummaa seexanaa kan argisiisu ta’a, Efe. 2:2 irratti akka argisifame. Qilleensa samii ol jiru bittaa hamaa godhame fudhatamaa ture, jaaraa tokkooffaa addunyaati. Hamaa wajjin kan godhamuu waraanni raawwateera (17c-21).

**16:18** fakkeenyi kun yeroo baay’ee mul’ata irratti mul’ateera (4:5, 8:5, 11:19; 16:18).

**16:19 “Magaalatti ishee guddoo”** tokko tokkoo kana kan isaan ilaalan waabii Yerusaaleemiif sababa 11:8. Ta’es, ani akkan yaadutti 11:8 illee fakkeenyaa Roometi (11:8, 16:19; 17:18; 18:10. 18-19; 21). Room kan fudhatuu akka ejjituu ishee gudditti Baabilon (14:8) isheenis waaqefannaa durii teesso hawaasa hin beekne. Yeroo Yohaannisitti Room waaqefannaa mooti achii turte, waldaa kiristaanaa kan ari’atu. Yeroo raawwataatti mormitootni Kristoos kan biro magaalaa addunyaa ta’uu dandeessi. Yohaannis ibsuu itti fufeera nama kufe, mormituu mootummaa teessoo Waaqayyoo baduu isaa, boqonnaa 17-18 irratti.

▣ **“Bakka sadiitti qoqodamte”** kun ta’uu kan danda’u kan Hiz. 5 kan eeruu dha, innis guutuumaatti kufatti kan mul’isu .

▣ **“Magaaloota warra hin amannee in kufan”** kun kan inni argisiisu mootummaa nama kufee tokkummaa hin bareene dha, isaan Waaqayyoo fi Masihii irratti kan ka’an (Faru2). 10:11 irratti kan jiru yaadannoo ilaali.

▣ **“Baabilon gudditiin Waaqayyo duratti ni yaadatamte”** “Waaqayyos yaadate” kan jedhu gaaleen yeroo hundumaa firdii Waaqayyooti (18:5; 19:15). Kun adda kan ta’ee xoofoo firdii duraan dursee 14:10 irratti ibsameera.

▣ **“Daadhi wayinii dheekamsaa cimaa”** machaa’uun fakkiduu kakuu moofaati, firdii Waaqayyootiif (Faru. 60:3, 75:8;Isa. 51:17,22; Erm. 25:15-16, 27-28; mata duree addaa 14:10 irratti ilaali).

“Dheekamsa” orgē jecha jedhuu dha. 7:14 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

**16:20 “Biyyi bishaan gidduu hundumtuus baqatan”** kun mallattoo ja’aaffaa wajjin wal fakkaataa dha (6:14).

▣ **“Gaaroonnis hin argamne”** isaan kun fakkeennoowwan gaalee kakuu moofaati, dheekamsa cimaa kan hin qabne tibbawwan bara dhumaa (Faru. 97:5, Mik. 1:4, Nah. 1:5).

**16:21 “Cabbii gurguddaa”** cabbiin yeroo hundumaa firdii Waaqayyooti (Isa. 10:11, Isa. 28:2). Kunis kan biraan gosa dha’icha Gibxii dha (Bau. 9:23-24). Hiz. 38:22 irratti cabbiin bara raawwataati diina Waaqayyo irratti faayidaa irra ooleera. Ulfatini cabbichaa adda adda.

▣ **“Pa’ondi dhibba tokko kan ta’u”** kun akkuama jirutti “ulfatina talanti’ dha. Ulfatinni talaanti durii baha dhi’oo durii pa’ondii 45 hanga 138 gargar ba’ee. Ulfaatinni isaani sirriin hin beekamu, isaan kun ifatti ulfaatina guddifamee dha, uumamu kan danda’an badiisaa fi du’a argisiisuuf.

**GAAFFILLEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kun hiika yeroo ta’uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemuutu nurra jiraata. Hiiktootni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kanas deebiftee hiikaa irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Isaan gaaffilleewwan maree kun kan kennaman kutaa kitaaba kanaa dhimoota gurguddoo akka ta’utti akka qayyabatuu akka si gargaaruuf. Kana jechuun akka ta’uutti akka itti yaaduuf malee kana qofaan akka murtooftu miti.

1. “Of-ilaallee galaanaa” bak-buusa maal argisiisuu dhaa?
2. Waaqyyo Yohaannisitti mana qulqullummaa samii maaliif itti argisiisee?
3. Mallattoowwani, malakatootaan, xoofoowwan, fi dha’icha Gibxii gidduu kan jiru wal fakkeenya tarreessi.
4. 6:12 irratti kan jiran moototа warra bahaa 6:14 irra kan jiran guutummaa moototа biyyaa wajjin akkamitti walitti dhufuu?
5. Armaageedoon maal yookiis eessa dhaa? (16:16)
6. “Magaalatti guddoo” eenyuu dha kan inni argisiisuu? (16:19)

# MUL’ATA 17-18
# HIIKAWWAN HARAAWAA RAMADDII KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ejjituu ishee guddoo Fi ;bineensicha<br>17:1-6a | Dubartii diimtuu fi jawwee diimaa<br>17:1-6 | Kufaati Baabiloon<br>17:1-6a | Ejjititti ishee beekamtuu<br>17:1-2 | Ejjitutti ishee Gudditti<br>17:1-7 |
| | Hiika dubartititti fi Bineensichaa | | 17:3-6a | |
| 17:6b | | 17:6b-8 | 17:6b-8 | |
| | 17:7-18 | | | kan bineensichaa fi Bak-buusa ejjitutti<br>17:8 |
| | | 17:9-14 | 17:9-11 | 17:9-11 |
| 17:15-18 | | 17:15-18 | 17:15-17 | 17:15-18 |
| | | | 17:18 | |
| Kufaati Baabilon<br>18:1-3 | kufaatti Baabilon ishee gudditti<br>18:18 | bo’icha magaalatti kuftee<br>18:1-3 | Kufaati Baabilon<br>18:1-3 | Ergamichi kufaati Baabiloon labse<br>18:1-3 |
| | | | | Sabi |
| Waaqayyoo | | | | |
| Baqachuudhaaf | | | | |
| | | | | Walitti qabame |
| 18:4-8 | Addunyaan kufaati Baabilonitti gade | 18:4-8 | 18:4-8 | 18:4-8 |
| 18:9-10 | 18:9-10 | 18:9-10 | 18:9-10 | 18:9-13 |
| 18:11-20 | | 18:11-20 | 18:11-17a | |
| | | | | 18:14 |
| | | | | 18:15-17a |
| | | | 18:17b-19 | 18:17b-20 |
| | Raawwata kufaati Baabilon | | 18:20 | |
| 18:21-19:4 | 18:21-24 | 18:21-24 | 18:21-23 | 18:21-24 |
| | | | 18:24-19:4 | |

**RAMADDII DUBBISAA SADII (fuula v ilaali kutaa seensaa )**

**YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATIIN DUUKA BU’U**

Qajeelfamni qayyabannaa kun hiika yeroo ta’uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemuutu nurra jiraata. Hiiktootni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kanas deebiftee hiikaa irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha gadi taa’uu tokkoon dubbissi. Yaadawwan ijoo irratti (marsaa ramaddii dubbisaa lakk.3 fuula vii). Kan kee yaada ijoo ramaddiwwan gubatti kan tarreefaman hiiktoota shanan wajjin wal bira qabi. Guutummaan mul’inichaa keeyata keessatti argamuu yoo baatees yaadni barreesitoota jalqabaa kan ta’ee wanti

barbaachiisaan hiikichaa irratti argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa of keessatti qabateera.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.F

**QABIYYEE BARREEFAMAA MUL'ATA 17:1-18:24**

A. Isaan boqonnaawwan lammaan kun ifatti kan tarreessan badiisa Baabiloon, kufaatiin ishee duraan durse(14:8 fi 16:19, jedhes 18:2, 21irratti kan eerame. Isaan tokkoon tokkoon kan isaan ta'an ramaddii barreefama adda addaatiin (12-14), (15-16), fi (17-19). Kunis kan biraa kan wal cinaa yookaan fakkeenya wali gala ta'uu danda'a.
B. isaan boqonnaawwan lamaan duubessa kakuu moofaa kan argamuu faaruu yeroo bo'ichaa irratti, magaaloota durii Waaqa hin qabne kufaati raajeefachuuf kan barreefame:
   1. Baabiloon (Isa. 13, 14, 21 fi Erm.50-51)
   2. Xiroos (Isa. 23 fi Hiz. 26-28)
   3. Naanawee (Nahoom)
   4. Yerusaalem ishee cubbamtuu (Isa. 1:1-26; Hiz. 16:51-52)
C. kun yaad-rimee biyya lafaa kufee, innis Waaqayyoo wajjin kan wal falmuu kan ta'e Faru.2, Dan. 2, 7, 9:24-27; Mat. 24: Mar. 13; Luq. 21; fi 1Yoh 2:15-20 irratti ibsameera.
D. Mul'atni faaruu yeroo bo'ichaa fayyadama, akkaataa kufaati Room ibsuudhaaf, bara Yohaannis mormituu Waaqayyoo biyya lafaa. Ta'es, kun walfakkaataa bilisaa kan ta'e, of tuulaa, kan ijaan argamuu kan Waaqayyo mormituu seera biyya lafaa bara baraatti irra jiraata (1Yoha. 2:18), innis immoo ga'umsa irratti mataa isaa mul'isa, akka bitaa bara raawwataati fi mootummaa biyya lafaa (2Tas. 2). Kan Yohannis dhaloota bara dhumaa dubbistootni tarreefamni hubatan, innis kan bara dhumaa mormituu Kristoos ta'uu danda'a. Rakkoon isaa kan ta'uu tokoon tokkoon dhaloota amantootaa mul'ata gara guyyaa ofi isaati dhiibee dhfuuf yaaluun isaati!

   Kitaabni kun kan jaaraa tokkooffaa faayidaa qaba, faayidaa jaaraa hundumaa, fi kan faayidaa bara dhumaa. Tarreefamoota dhiibuu dhiisuun baay'ee kan fooya'eedha. Isaan hiika qabu (namoota jalqabaa), isaan hiika irra deebii qabu (dhaloota bara dhumaa). Ta'us garuu baayinaan dhaloota amantootaaf kan iciiti. Cimsa itti kennuun kan fooya'ee dha ramaddiwwan barreefamaa torban dhugaa giddu galeessaa. Isaan haala bara barummaan faayida qabeessa! Tarreefamni isaa bifa eegameen bifi isaa kan hin jijjiramne (akkuma jirutti) kan ta'e, dhaloota bara dhumaa amantoota ari'ataman, yaada kennitootni kan itti himan isaan hin barbaachisu!

E. Williham Hendirksen, warra mo'an caalaa, kan cimsa itti laatu kan mul'ata ramaddii torban kan wal cinaati (yaadannoo c ilaali, fuula 10). Kanas gochuun inni kan inni cimsa itti laatu kufaati diina amantootaaf wal cinaa dha (seexana, bineensoota lamaan, fi Baabiloon, mormitoota Waaqayyo, mormitoota Kristoos seera biyya lafaa). Ammam illee badiinsi isaanii qofa qofaatti yoo ta'es (seexani, 20:7-10, bineensoonni laman, 19:17-21, fi Baabiloon, 18:1-19:4). Isaan kun dhugumatti sadhatawaa dha, akkuma mallatoowwani, malakatawwani, fi xoofoowwani.

   Karaa baay'eedhaan kun kan nama harkisuu caasefama hiikaa ti, innis ifa kan ta'e wal cinummaa mallatowwani kan babal'isan (4-7), kan malakatawwani (8:11) , fi kan xoofowwan (15-16) gara boqonnaa 17-19 fi 20-22.

# QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

## MUL'ATA :17:17

**1Kana booddee ergamoota torban waciitii torba qaban sana keessaa inni tokko dhufee anatti dubbatee, "Kottu, firdii ejjituu ishee guddittii, mandara bishaanota baay'ee irratti ijaaramte sanaa, sitti**

**nan argisiisaa! 2Mootonni biyya lafaa kanaa ishee wajjin ejjaniiru, daadhi wayinii halalummaa isheetiinis warri lafa irra jiraatan machaa'aniiru" jedhe. 3Hafuraanis ol na fuudhe gara lafa onaatti na geese; achittis dubartii bineensa bildiimaa tokko irra teessunan arge. Maqaan ulfinaa, Waaqayyo arabsuudhaaf kennaman isa irra guutani turan; innis mataa torbaa fi gaanfa kudhan qaba ture. 4Dubartittiin uffata diilgee, diimaa biluus uffattee, warqee, dhagaa fi callee gati jabeeyyi I naqattee, kubbayyaa warqee wanta ciggaasiisaadhaa fi xuraa'aummaa halalummaa isheetiin guute, harkatti qabattee turte. 5Maqaan dhoqataan, "Baabiloon guddittii, haadha ejjitootaa fi wanta ciiggaasisaa biyya lafaa" jedhu tokko immoo adda isheetti caafamee ture. 6Akkasumas dubartittiin dhiiga warra Waaqayyoof qulqullaa'anitiin, dhiiga warra Yesusiif dhugaa ba'uu isaaniitiif ajjeefamaniitiinis machooftee nan arge; yeroon ishee arges guddisee nan dinqisiifadhe. 7Garuu ergamichi anaan, "Maaliif dinqisiifatta? Dhoksaa dubartittii, kan bineensicha ishee baatuu, isa mataa torbaa fi gaanfa kudhan qabuu, sitti himuufan jira.**

**17:1 "Ergamoota torba keessaa tokkoo"** ergamaan kan biraan karaa wal fakkaataan 21:9 irratti mul'ateera. Qunaamti duraa duubaani boqonnaa 17 fi 18 gidduu fi xoofoowwan dhangala'uu boqonnaa 16 irratti

1. Xoofoowwan dhangalaa'uun ni dursa
2. Innis ibsa dabalataa ta'a, bu'aa xoofoowwani

▣ **"Firdii ejjitutti ishee guddoo sittan argisiisa"** kun ejjummaa hafuuraa lakk. 5 irratti ibsameera "Baabilon gudditii, haadha ejjitootaa," kan jedhu, fi 18:10 irratti "magaalatti ishee guddoo , Baabiloon" kan jedhu. Akka boqonnoowwan dursanii yoo ta'ee waamani kun kan inni argisiisu kan kufee seera biyya lafaati, innis fakkeenyummaan isa

1. Kan Daani'eel Baabiloon
2. Kan Daani'eel keessoo kitaaba qulqulluu Antikis IV
3. Kan Yohaannis kan Roomee mooti, ani hafuuradha kan jedhu.

Boqonnaa 17 irra kan jiru humna halalummaa fi albadhummaa fi sassatuummaa boqonnaa 18 humna daldalaa wajjin wal sima. Kakuu moofaatti magaaloota sadiitu ejjitoota jedhaman.

1. Xiroos (Fiinqee) Isa. 23:15-16
2. Naanawee (Sooriyaa) Naahom. 3:4
3. Yerusaaleem (Yihudaa ishe ija-malleessa) Isa. 1:21, Hiz. 16:31, 35, 23.

▣ **"Eenyuutu biishaan baay'ee irra taa'aa"** kakuu moofaa kan waabeefatu Erm.51:11-14 dha, innis magaalaa Baabiloon ishee durii kan argisiisu bakka Efraaxesitti kan turee (Naanawwee laga Xeegrositti akka turte) kanaaf kan jabaate nam-tolchee jal'isii fi boola bishaan keessa deemu qabdi turte. Ta'us, ilaalcha lakk. 15 gaalee kana kan hiiku akka nootummaa addunyaaleessaatti (Dan. 7:2, 3).

**17:2**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Mootonni biyya lafaas ishee wajjin halalooman"** |
| **NKJV, NRSV** | **"Mootonni biyya lafaas ishee wajjin ejja raawwatan"** |
| **TEV** | **"Mootonni biyya lafaas ejja raawwatan"** |
| **NJB** | **"Mootonni biyya lafaa hundinuu isheedhaa wajjin sagaagalummaa raawwatan"** |

Halalummaan kun kallattiwwan dursan lama qabu:

1. Tokkummaa daldalummaa (Xiroos, Isa. 23:13-18; fi Naanawwee, Nahom. 3:4)
2. Tokkummaa siyaasaa, innis waaqa tolfamaa ormootaa waaqessuun wali galtee kan godhan guyyaa ayyaanaatti seeraan eyyamsiisu (Yerusaaleem ejjituu jedhamtee waamamteetti, Isa. 1"21 fi Erm. 3)
3. Mooti Room akka hafuuraatti waaqeessu

▣ **"Lafa irra kan jiraatan daadhii wayinii ishee ejjituutiin macha'aan"** kun kan Erm. 51:7 kan waabeefatuu dha. Innis 14:8 irratti wal baraniiru. "Lafa irra kan jiraatan" gaaleen jedhu mul'atatti ergaa irra deddeebi'amee dha, qalbi kan hin jijjiiranne, kan kufee, Waaqayyo irraa kan fagaate mucaa namaa kan ilaalatu (3:10, 6:10, 8:13, 11:10, 13:8, 14; 17:8).

"Dhugaatii" fakkiduu kakuu moofaati, firdiif (Faru. 75:6-8).

**17:3 "Hafuuraanis na fudhate"** gaaleen kun faayidaa irra kan oole mul'ata Yohaannis argisiisuudhaaf (1:10; 4:2; 17:3; 21:10). Tarreesitootni baay'een caasefama mul'ataa hubachuun kan isaan hundeessan isaan mul'ata kana irratti dha. Og-barruun Apokilaptikii sharbee caasefamaa baay'ee akka ta'ee yaadadhaa. Caaseefamni hiika irratti furtuu dha.

▣ **"Gara lafa onaa"** kun ta'uu kan danda'u

1. Fakkiduu bakka nageenyaa (12:6, 14; innis kan Isiraa'eel bara lafa onaa keessa naanna'uu kan eeru)
2. Bakka inni hamaanii fi seexani jiraatan (jechuun, Lew. 16:8; 17:7)
3. Magaalatti ishee durii Baabilooniin kan eeru, Isa. 21:1-10 irratti kan argamu, innis fakkiduu ,firdii kan ta'e.

Fakkeenyi Yohaannis baay'ee jijjiramaa dha. Lakk. 1 irratti dubartitiin bishaan baay'ee irratti teessetti (laga Efraaxis) fi lakk.3 irratti jawwee diimaa irra teessetti, lafa onaatti.

▣ **"Bineensa diima irra dubartiin tokko teessen arge"** "diimaa" jechi jedhu kan inni argisiisu

1. Ajeechaa, 17:6-7
2. Qananii keessaa ba'aa, 18:12-16
3. Seexanni akka jawwee diimaa, 12:3

Bineensichi tarreefamaan ibsameera, 13:1-10 irratti. Innis kan inni argisiisu raawwi bara dhummaa mormitoota Kristoosiidha (Dan. 7:9-14; 9:24-27; 11:36-45; 2Tas. 2; 1Yoh. 2:18).

▣ **"Maqaan arabsoos kan itti guutame,"** kun 13:1, 5-6 wajjin wal fakkaataa dha. Aankiin kun haala seenaatiin kan walitti dhufu mooti Roome waaqefannaa mataa wajjin. Aankii mataa isaaniif walitti buusu, akka "hafuuraa," "fayyisaa," "gooftaa" kan kana fakkaate. Ga'umsa galma bineensichaa humna siyaasaa addunyaa miti, ta'us garuu waaqefannaa amantaati malee (Dan. 7:8, 20; 8:11, 25; 9:36, 37) akka bakka bu'aa seexanaa yookaan foon uffachuu (bakka bu'uu danda'a Isa. 14:13-14 fi Hiz. 28:16-17).

▣ **"Mataa torbaa fi gaanfoota kudhan qaba"** ibsi kun bineensa diimaa wajjin wal fakkaataa dha (12:3) fi bineensa galaana (13:1). Wal fakkeenyi isaa kan inni argisiisu kan isaan kanaa kan Waaqayyoo qaama morman wajjin tokkummaa dha.

Haala fakkeenyummaa lakkoofsaatiin (1)mataan torban kan walitti dhufan "guutuu" beekumsa yookaan bara dhumaa ga'umsa geggeessaa biyya lafaati, (2)gaanfootni kurnan kan isaan walitti dhufan humna xumuramee yookaan taayitaa biyya lafaa ti (17:7, 9, 12, 16).

**17:4 "Dubartittiin uffata diimaa fi biilgee uffatee turte"** isaan halluwwan kun kan isaan argisiisan kan mootummaa (diimaa) cigaasiisaa (biilgee) yookaan qananii akka malee, badhaadhumaa, fi sooromaaf fakkiiduu dha (18:12, 16).

▣ **" Warqee fi dhagaa gati-jabeessaan calleedhaanis badhaafamtee"** kun kan lafa irraa fi humna hafuuraa fi fakkeenya taayitaati (Hizqeel irratti faayidaa irra kan oole, fakkiduu Hedeenin, of-jaja mootii Xiroosiif, Hiz. 28:13).

▣ **"Xoofoo warqee"** kun magaalaa Baabilooniif waabii dha (Erm. 51:7).

**17:5 "Adda ishee irratti maqaan barreefameera"** kan senekaa Controversies 1:2 fi kan Juvenal Satires 6:122-123 akka galmeessan ejjitoota Room faayyaa geengoo kaayatu, ofii isaanii yookaan maqaa gooftaa isaanii kan qabu, adda isaani irratti . kun seenaa kan eeru ta'uu danda'a, yeroo Yohaannisitti, yookaan akka haala mul'ataatti, innis warra hin amanne mallattoo eeru ta'a (13:16-17; 14:9, 11; 15:2; 16:2; 19:20; 20:4) innis Waaqayyo amantootatti mallatto akka itti godhee kan hatame (7:2; 9:4).

▣
**NASB** **"kan dhoksaa, 'Baabiloon gudditii'"**
**NKJV** **"kan dhoksaa, Baabiloon gudditii"**
**NRSV** **"kan dhoksaa: 'Baabiloon gudditii'"**
**TEV** **"hiika dhoksaa: 'Baabiloon guddiiti'"**
**NJB** **"maqaa, maqaa dhoksaa: 'Baabiloon gudditii'"**

Asitti waligaltee dhabuutu jira, “kan dhoksaa” maqaa jedhuu, kutaa waamama akka ta’e yookaan kan waamamaa kan fakkeenyummaa karaa ittiin amala eeru (lakk.7). Baabiloon ka’umsa ishee kan argatee qaroomina jalqabaa irratti, Namirudiin kan jalqabame (Babi’eel), Waaqayyo irratti kan fincilan, jedhees Uma. 11 irratti Kan faffaca’an . fayyadama kanaa fi Baabiloon saba Waaqayyoo hidhaadhaaf fudhachuu irraa kan ka’e (Yihuudaa), innis hamaadhaaf wal fakkaataa ta’eera, kan mootii humna biyya lafaa. Yeroo Yohaannisitti, humni kun Room ture (1Phex. 5:13).

**17:6** lakkoofsi kun kan inni dubbatuu waa’ee arii’atamuu amantootaati fi aarsaa ta’uu yookiis kitimamuuti (11:7; 13:7; Dan. 7:21).

▣ **“Baay’een ajaa’ibsiifadhe”**KJV kana kan hiikuu “baayee dinqisiisaa guddaa” kan jedhuun yoo ta’u, NKJV garuu “baay’ee waan ajaaibsiisaan ajaa’bsiifadhe” kan jedhu qaba. Yohaannis ishee hin ajaa’ibsifanne, ta’us garuu gocha isheetiin raawwatee aja’ibsifameera. Saba Waaqayyo akka ari’atuu fi akka ajjeeftu heyyamameeraaf (13:5;7, 15; 11:7).

## MUL'ATA : 17:8-14

**8Bineensi ati argite sun takka jiraataa ture, amma immoo hin jiru,iddoo lafa jalaa keessaa ol ba’uuf jira, booddee immoo gara badiisaa in dhaqa. Sababni inni takka jiraataa turee, amma immoo hin jireef, deebi’ee immoo argamuufjiruuf, warri biyya lafaa irra jiraatan, warri uumamuu biyya lafaati jalqabee maqaan isaanii macaafa warra jireenya argachuuf jirani keessatti hin caafamanin, bineensicha arganii raajeefachuuf jiru. 9 “Kun sammuu ogummaa qabu barbaada; mataan torban tulloota torban dubartiitiin irra teessuu dha; akkasuamas mataan torban mootota torba. 10Isaan keessaa shan kufaniiru, tokko jira, inni tokko immoo amma illee hin kaane; yemmuu ka’uu immoo yeroo gabaabduu duwwaadhaaf turuun isa irra jira. 11Bineensichi inni takka jiraataa turee amma hin jirree immoo, sadeetaffaadha; garuu warruma torban sana keessa ture, inni gara badiisaa in dhaqa. 12Gaanfoonni kurnan ati argite immoo, mootota kudhan warra kanaan dura mootummaa hin fudhatinii dha; garuu isaan bineensicha wajjin sa’atti tokkittidhaaf akka moototaatti aboo fudhachuudhaaf jedhu. 13Isaan kun yaada tokkicha qabu, humna isaanii fi aboo isaanii dabarsani bineensichatti ni kennu. 14Isaan hoolichatti lola kaasu; hoolichi garuu gooftaa gooftootaa, mooti moototaas waan ta’eef, isaan in mo’a; warri isaa wajjin jiranis warra waamaman, warra fo’aman, warra amanamaniidhas” jedhe.**

**17:8 “Bineensi ani argee duraan dursee ture, ammas hin jiru, dhufuuf jira jedhe”** ibsi duraa duubaa tarreesitoota gidduudhaa naasuu guddaa uumeera.

1. Tokko tokkoo kan isaan argisiisa bifa seenaatiin, innis keessa iyyuu hoji irra kan oolu kan ta’u Neero irraa deebi’uu himtee wajjin I dha.
2. Kan biroon itti fufiinsa akka qaban mootummaa biyya lafaati, Dan.2 wajjin kan wal qabate, bara raawwataatti kan ta’u kan xumuraa mormituu Waaqayyoo seera biyya lafaa.
3. Kan biroon kan isaan argisiisa raawwata bara dhumaa gocha bineensichaa wajjin kan wal qabatee dha, 13:3, 12, 14, irratti kan ibsame, innis tajaajila Kristoos wajjin kan wal fakkaate yookaan kan hatame.
4. Innis 1Yohaannis , bara hundumaati kan jiruu mormituu Kristoos yaad-rimee hafuuraan walitti dhufa, bara raawwataatti mormituu Kristoos kan raawwatu (1Yoha. 2:18, 22, 4:3, 2Yoha. 7).

Innis kan biraan maqaa Yaahiwwee wal fakkeessuu dha (1:4, 8).

▣ **“Boola gadi fagoo”** kun jecha Girikii “gadi fagoo” dha, dabalata alta’aati (dabalata) wajjin. Inni jalqaba iratti kan eerame 9:1 fi 11:7 irratti dha. Innis isa hamaa fi seexanaa fi bakka mana jireenyaati. 9:1 ilaali.

▣ **“kitaaba jireenyaa”** 5:1 fi 13:8 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **“Uumamuu biyya lafaati jalqabee” 3**:5 fi 13:8 irratti yaadannicha ilaali.

**17:9**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **“sammuun ogummaa qabuu as jira”** |
| **NRSV** | **“ogummaa kana kan qabu sammuu argisiisa”** |
| **TEV** | **“kun ogummaa fi hubannaa argisiisa”** |
| **NJB** | **“kun ogeessa ta’uu argisiisa”** |

Gaaleen kun 13:8 wajjin wal fakkaataa dha innis lakkoofsa maqaa bineensichaa wajjin kan wal qabatu. Kun yaada xiqqaa ta'e kan fudhatuu kutaa qulqulluu sagalee isaa tokkoon tokkoon namaa yaad-rimee mataa mataa isaa akka kennuu sababa ta'eera! Ta'us, kun hiika heedduu akka qabaataan dhugaan godhe kan argisiisu gidduu keenya ogeessoonni heedduun jiraachuu dhiisuu isaanii kan argisiisuu dha! (1Qor. 1:26-31). Anaaf, Yohannis dhoksaan barreefama isaa, fakkeenyummaa, hiphoo ta'uu isaa karaa inni ittiin argisiisee dha (Firaankii Istaag, kan kakuu haaraa barumsa hafuuraa, fuula 317).

◘ **"Mataan torban dubartittiin kan irra teesse gaara torba"** kun kan warri Roomi eeruu dha. Room, akkuma Yerusaaleem, gaaroota torban irratti kan ijaaramte. Gaaleen kun barreefama durii heedduu irratti argama magaalaa Room ibsuudhaaf. Kanaafuu, itti gaaffatamummaa warra hiikaaniti, isa kana yoo xiqqaatee haala impayeera Roomaatiin ilaaluun, ammam illee boqonnaa 17 fi 18 guutumaatti kan eeruu mormituun Waaqayyoo seera biyya lafaa irratti yoo ta'es, innis kan bara dhumaa ta'ee dhugaan isaa garuu baroota hundumaaf akka ta'ee dha.

**17:10-11** tarreesitootni tokko tokkoo kana akkaataa isaan itti ilaalan akka duraa fi aantee mootota Roomaati, Awugisxoos, Xbaariyus, Kaligulaa, Kilawudayus, fi Neeroo "kan akka kufan shanani". Vespaasiyaan "amma akka jiranii dha" fi Tiitoo, "xiqqoo turee kan dhufu" (F.F.Biruus, deebiwwan gaaffiidhaaf, fuula 1410. Hiiki kun caaladhumatti baay'ee kan itti hin yaadamne, sadanuu mootota xixxiqaa sadhataaawaa (GAliba, Otoo fi Vitiliyuus) isaanis gonfichaaf kan wal morkatan, bara haraaraa 68-69tti hir'ataniiru. Ta'us, rakkinuma isaa wajjinis yoo ta'ee, kun ta'uu kan qabuu, lakkoofsa 10 fi 11 kan xiyyaafatuu dha, kunis hara'umsaa fi deebi'uu neeroo himtee wajjin, loltoota Faaris wajjin, Roomee waranuudhaaf (kanas kan ibsuu lakkoofsa 16 ta'a, himtee Sibiliyaan, 55:361-368).

Kan biroon raajii kana kan isaan ilaalan akka raawwii ar'itamana Doomitiyaaniiti hiika kana irratti tokko tokkoo bakka guddaa wantooti qabatan jiru:

1. Mul'anniyeroo bittaa Vespasiyaani barreefamuutu irra jiraata, kunnis aadaa waldaa kiristaanaa ishee durii wajjin wanta adda addaa, Yohannis yeroo bittaa Doomitiyaanitti barreessuu isaa
2. Kitaabni isaa guutuun kan inni qabtuu fayyadama fakkeenyawwanii

Haala seenaa kanaatiin kan hin jijjiramnee (akkuma jirutti) kan godhe maaliidhaa? Ammas immoo, Yohaannis ta'I jedhee kan godhe ta'aa, kan mula'ta isaa amala fakkeenyummaa isaa argisiisuuf kunis walumaa gala kan seenaa yeroo kamii wajjinuu kan wal hidhe jechuu kan hin taane.

Kan biroon hiiki yaadamuu, kun kan inni argisiisuu lduraa fi aantee kan ta'an Impa'eera kakuu moofaati, isaanis diina saba Waaqayyoo kan ta'an: Gibxii, Sooriyaa, Baabiloon, Faariis, Giriki ("shananuu kufaniiru"), Room ("inni tokko jira"), kan bara raawwii Impayira mormituu Waaqayyoo ("kan biraan amma iyyuu hin dhufne"). Hiiki kun kan walii gala duraa fi aantee kan ta'an mormituu Waaqayyoo mootota addunyaa wajjin wali gala, Dan. 2:1-8 (Joorji Laad, Mul'ata, fuula 227-231).

Ammas immoo hiiki kan biroon durii amala fakkeenyummaati, lakkoofsoota isaa hundumaaf mul'ata keessatti tarreefamni argaman, kunis boqonnaa kana gara kanbirootti, Waaqayyoodhaa fi isa hamaa gidduutti kan gopdhamuu walitti bu'iinsa dhumaa fi fakkeenya (Aleen Johnson mul'ata fuula 151-153, 157-157-161).

Kun fakkeenya wayyuu dha, akka kan isa hiikuutti anaaf walitti bu'iinsa keessaati. Baay'ee kan baay'atan hiikawwan adda addaa jiru, beektoota gaariin ati amantu. Yaad-rimeen jalqabaa barreessaan ani jaalladhuu F.F. Biruusi dha. Kan itti fufan lammanuu kanan jaalladhuu tarreesitoota mul'ataa, Jorji Laadi fi Aleen Johnsanii dha. Hundumtuu walii hin galan! Dhimmi inni guddaan, barreefami isaa kan jaarraa tokkooffaa Roomiin kan eeru ha ta'u, (F.F. Birus), kakuu moofaa (Jorji Laad), yookaan fakkeennoo Apokilaptikii (Alen Johnsan) ta'uu isaati. Tuqaa kana irra qayyabannaan dhuunfaa koo, akka ani yaaduutti ilaalchi Johnsani kan wayyu natti fakkaata.

**17:12 “Kan ati argite gaanfii kurnan mootota kurnanii dha,”** kun Dan. 7:7, 23-24 kan eeruu dha. Dan. 7 kan bara dhumaa ibsa mormituu Kristoosiiti. Warri tokko tokko kana akkaataa isaan itti ilaalan haala seenaatiin mootota Room kurnaniif amanamoo ta’uu isaanii tajaajiloota ta’uu isaanii, kan biroon immoo akkaataa isaan itti ilaalan akka loltuu seexanootaatti, Mul’ata 9 irratti akka jiran. Baay’eedhaaf immoo, kitaaba mul’ataa irratti kan lakkoofsoota amala fakkeenyaa lakk. 12 kan inni argisiisuukan bara dhumaa geggeesitoota addunyaati, ha ta’uu malee adda baasee utuu hin ta’in.

Baay’een isaani kitaaba mul’ataa hiika akkuma jirutti jiru kan ibsan lakk. 10-12 kan jiran tarreefama adda addaa irratti hundaa’uudhaan. Raajiiwwan kun baay’ee adda addaan jira, kan bara dhumaa hiika kan hin jijjiramnee raawwii kan argamsiisan. Ta’us, kana mala sharbee barreefamichaa kan inni argisiisuu gara lakkoofsota kanaati fi tarreefama hiika fakkeenyaati (yoo xiqqaatee nuuf, kan dhaloota dhumaa amantoota ari’atamaniif osoo hin taane).

**17:13** lakkoofsi kun kan inni argisiisuu tokkummaa isa hamaa yeroo ta’uu, lakkoofsa 15-16tti immoo kan inni argisiisu kan isa hamaa sun tokko ta’uu dhiisuu isaati. Inni hamaan dhuma ga’umsa isaa irratti of faalleessa, 16:12 irratti akka jiru.

**17:14 “Isaan kun hoolicha waraanu”** hoolichi saba isaa wajjin ibsameera (Mat. 25:35-40, HoE. 9:4).

▣ **“Hoolichis ni mo’a ….isa wajjin kan jiranis”** mo’icha Kristoosiif mo’icha saba isaati gidduu kan jiru adda baasuuf kan dhi’aate hubadhu.

▣ “**Innis gooftaa gooftotaatii fi mooti moototaati”** maqaa wal fakkaataan kun 19:16 irratti eerameera, akka deebi’uu amalli Masihii. Bakki isaas kan inni argamu (1)ibsa Yaahiwweeti Kes. 10:17, Faru. 136:2-3 irratti yookaan (2) Waamichi maqaa Baabiloon Nabukadinaastoriif faayida irra kan oolee Dan. 2:37, 47. Gatiin lakkoofsa gaalee kanaa 777 wajjin wal qixa, Araamiffaan, ammam illee barreefama kana irratti yoo eeeramu baatees.

▣ “**Kan waamaman kan filatamaanii fi kan amanaman”** “kan filataman” fi “kan waamaman” jechoota jedhaman kan jiru ga’umsa jalqabaa kan eeru hubadhu, garuu immoo isaan akka jabaatan waamamaniiru, “kan amanaman” kan jedhu wajjin kan wal qabate hubadhu. Nutty kan isaati, waamamuudhaa fi amantiidhaan (lammanuun, ka’umsaa fi itti fufiinsaan). Mata duree addaa jaabachuu 2:2 irratti ilaali

## MUL'ATA :17:15-18

**15Itti dabalees ergamichii anaan, “Bishaanonni ati iddoo isheen ejjituun teessutti argitee immoo, nama baay’ee dha, tuuta baay’ee dha, saba baay’ee dha, afaan baay’ee dha, 16Gaanfonni kurnan ati argitee, bineensichis ishee ejjituu sana jibuuf jiru, isaan onsani qullaatti ishee ni anbisu; isaan foon ishee ni nyaatu, ibiddaanis ishee ni gubuu. 17Isaan amma dubbiin Waaqayyoo raawwatamuutti warra yaada tokkoo ta’uudhaan, mootummaa isaanii dabarsanii bineensichatti kennuudhaanis, akeeka Waaqayyoo hoji irra akka oolchaniif, inni kana garaa isaanii keessa ka’eera. 18Dubartittiin ati argite immoo, mandara gudditti ishee mootota lafaa irratti mootummaa qabduu dha” jedhe.**

**17:15** lakkoofsi kun kan inni argisiisuu kan bara dhumaa geggeessaa mormituu Waaqayyoo fi bittaa wali gala isaati. 10:11 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**17:16** kun Hiz. 16:39-40, 23:25-27, 28:18 Kan eeruu dha. Innis kan inni argisiisuu humna hamaa gidduu kan jiru walitti bu’iinsa keessaati 16:12 irratti akka jirutti. Walitti bu’iinsi walii wajjini karoora Waaqayyooti (lakk. 17).

**17:17 “Laphee isaaniiti”** mata duree addaa 2:23 irratti ilaali.

**17:18** magaalaan guddoon kun 11:8 fi 16:19 irratti eeramteeti, inni tokko Yerusaaleemiif (yaada bilisaa) yookaan Roomii (duraan dursee raawwatameera kan jedhan). Ramaddii barreefama isaa akka haala barreefama sanaatti kan inni argisiisuu caaseefamuun humna mormituu Waaqayyoo akka fakkeenya magaalaa ta’eera. Magaalaa ishee kam akka ta’ee dhimmi isaa, tuqaan isaa kan inni ta’uu Waaqayyo irraa guutuu guutuutti kan adda ba’ee seerri mootummaa jiraachuu isaati, fedhii mataa isaanii guutachuudhaaf namootni yaalan (namummaa jiraachuu Waaqayyooti hin amanne).

## MUL’ATA 18

### MUL'ATA :18:1-3

**1Kana boodees ergamaan biraan tokkoo aboo guddaa fudhatee, waaqa keessaa utuu gadi bu’uu nan arge; ulfina isaa irraa kan ka’es biyyi lafaa in ife. 2Inni sagalee cimaadhaan iyyee, “Kufteeti, Baabiloon gudditiin kufteeti, iddoo buufata hafuuroota hamootaa taateeti; lafa hafuurri xura’aan itti deddeebi’u, lafa alaatiin xuraa’onni fi jibamoonni itti deddeebi’an taateeti! 3Sabni hundinuu daadhii wayinii dheekamsaa isa halalummaa ishee irraa dhufu dhuganiiru, mootonni biyya lafaa ishee wajjin ejjaniiru; nagaadoonni biyya lafa irraas badhaadhummaa ishee isa keessaa ba’aadhaan sooromaniiru” jedhe.**

**18:1 “Aboo guddaa kan qabuu ergamaa kan biraa samii irraa osoo bu’uun arge, ulfina isaa irraan kan ka’ee lafti ni ifte.”** Kun ergamaa cimaa heedduu ture. “aboo” (exousia) jechi jedhuu macaafa irratti ergamaa kamiif iyyuu ;faayidaa irra hin oole. Yoha. 5:27 irratti faayidaa irra kan oolee aboo Waaqayyootiif, Yesusiif kan kenname. 22:16 irratti Yesus akka jedhe, ergamaa tokko ergeera isa bakka bu’ee akka dubbatu.

**18:2 “Baabiloon gudditiin ni kuftee, ni kuftee”** kun fakkeenya tokkooffaa dha kitaaba mul’ataa hiikuudhaaf rakkinoonni jiran. Mul’ata irratti odeefannoo tokkoo tuqaa ta’ee irratti argama, muraasni isa immoo tuqaa biraa irratti gabisa, kanaaf guutumaa guutuutti mul’ata biraatiin gabata (Fakkeenya 11:8 , 14:8 fi 16:19-20 yookaan kun fakkeenya kan biraa ta’a, ramaddii barreefama torbanuu gidduu dhaa walitti qaban jiru). Kun waabii kan biraa dha kan Isa. 21:9 fi/yookaan Erm. 51:8.

**▣ “Iddoo bultii seexanaa taate, iddoo dahoo hafuuraa xuraawaa hundumaa kan xuraa’ummaati fi sinbiroota galaman hundumaaf iddoo dahoo taate,)** kun kan eeruu dha, digamma magaaloota durii:

1. Baabiloon (Isa. 13:21-22, 14:23, Erm. 50:39, 51:37)
2. Eedoom (Isa. 34:10-15)
3. Naanawwee (Sof. 2:14)

Kakuu moofaatti magaaloota diigaman keessatti ni naanna’u jedhama. Kun kan bak-buusa lammanuuti, kan badiisaatii fi bakka argama hafuura hamaa (NEB). Baay’inaan simbiroonni kun seexana bakka bu’u

Barreefamni yohaannis baayee jijjiramaa dha. Lakkoofsichi kan inni ibsuu magaalaatti dha, akka digaamaa fi iddoo bultii hafuura hamaa, 19:3 kan inni ibsuu akka gubatee fi akka bobaatuu dha.

**18:3 “3Sabni hundinuu daadhii wayinii dheekamsaa isa halalummaa ishee irraa dhufu dhuganiiru”** gaaleen kun badiisa Baabilooniif raajii kakuu moofaa kan eeruu dha (Erm. 51:7). Ermiyaas

keessaa baasee machaa'uu fayyadama (jechuun, "waciiti warqee") qabeenyaadhaaf akka fakkeennoo fedhii ol aanaa wal qunaamtii saalaati.

▣ **"Miira olaanaa"**kun akkuma jirutti "dheekamsa" (thumos) dha. 7:14 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Daldaaloonni biyya lafaa humna jireenya lafa irraatiif dursa kennuu irraa kan ka'ee badhaadhoo ta'an"** kun ilma namaa kufeef, innis ofjaallachuudhaa fi bara dhumaatti wantoota ijaan argaman kan qabatee, mormituu Waaqayyoo seera biyya lafaa, rakkoo guddaa kana kan eeruu dha. Namoota gosa sadiitu jira, ishee kuftee halalee ishee guddoof kan gaddan:

1. Daldaltoota (lakk.3:11-16)
2. Moototа biyya lafaa (Lakk. 3:9-10)
3. Daldaltoota galaana irraa (3:17-19)

Isaan sadan kun kan addunyaa guutuu seera diinagdee namaa argisiisu.

## Mul'ata: 18:4-8

**4Egasiis sagalee biraa tokko waaqa keessaa nan dhaga'ee; innis, "Yaa saba koo! Cubbuu ishee keessaa akka hin qabaannetti, dha'icha ishee irraa akka hin hirmaaneetti, kottaa, ishee keessaa bahaa! 5 Cubbuun ishee amma bantii waaqaatti ol tuulameera, Waaqayyos jalina ishee hundumaa yaadateera, 6Waan isheen nama irratti fidee, ishee irratti deebisaa, wanta isheen gooteefis, dacha lama godhaa dugda baasaafii! Xoofoo isheen itti namaaf bulbulteetti, harka lama kan hamaatuu bulbulaafii! 7Akkuma isheen ulfina ofiif late, qannoo keessaa bahaatis jiraate, safaruma isaatiin dhiphinaa fi gadda kennaafii! Isheen garaa isheetti 'ani mootuun addana nan taa'aa, ani haadha hiyyeessaa miti, gaddas matumaa hin argu' ofiin jetteeti. 8Waaqayyo gooftaan inni isheetti faraduu aangoo-qabeessaa waan ta'eef dha'ichi gara garaa dhukkubni adeemaan, gaddi, beelli, guyyaa tokkichatti isheetti dhufuuf jiru, abiddaanis gubamuuf jirti!" jedhe.**

**18:4 "Yaa saba koo, cubbuu isheetti akka wali hin galee dha'icha ishee irraas akka hin fudhannee ishee biraa bahaa"** kun kakuu moofaan kan eeruu dha Isa. 48:20, 52:11, Erm. 50:8, 28 , 51:6,, 9, 45, yookaan Zak. 2:6-7. Innis gocha yeroo ammaa irratti xiyyaafatuu dha, inni saba Waaqayyoo kan tutuquu dha, seera biyya lafaa kufee kanaan akka hin qabamne.

**18:5 "Cubbuun ishee amma samii gaheera"** kun Uma. 18:20-21 yookaan Erm. 52:9 kan eeruu dha. Obsi Waaqayyoo cubbuu baayee hojjechuudhaaf akka sababaatti fudhatameera, qalbi jijjirachuu caalaa (2:21, Rom. 2:4).

▣ **"Waaqayyoo ni yaadatee"** kitaaba qulqulluu keessatti yeroo hundumaa Waaqayyoo hojii hamaa yeroo yaadatutti bu'aan isaa firdii dha (16:19, Faru. 79:8, Isa. 64:9, Erm. 14:10, 17:1-4, 44:21-23, Hos. 7:2, 8:13, 9:9, Am. 8:7).

**18:6 "Isheen akka kenniteetti deebii kennaafi"** kun waan facaafnee akkuma hamaanuu dhugaa sana kan eeruu dha (Gal. 6:7 tarreefama guutuu fi www.freecommentary.org ilaali). Dhugaan kun kan dhi'aatuu macaafa qulqulluu keessatti biffa adda addaa heedduudhaan (Faru. 137:8, Ermi. 50:15, 28, Mat. 7:2, Mul. 13:10).

▣ **"Akka hijii isheetti dacha lama itti dabalaa"** kun Erm. 16:18 fi 17:18 kan eeruu dha, dhugaan isaa garuu barreefam heedduu irratti ibsameera (Bau. 22:4-9, FAru. 75:7-8, Isa. 40:2). Ciigoon kun waa'ee isa mudaa hin qabnee fi firdii guutuu dubbata, gaaleen itti aanuu akka godhu.lakkoofsi kun kristaanoota ari'atamaniif baay'ee kan jajjabeessuu dha.

▣ **“Xoofoo isheen walin maktee dacha lama godhaati waliin makaafi”** “xoofoo” fakkuduu kakuu moofaati, firdii Waaqayyootiif (Faru. 11:6, 60:3, 75:6-8, Isa. 51:17, 22, Ermi. 25:15-16, 27-28).

**18:7 “Laphee iseeti. Mootii ta’een taa’aa haadha hiyyeessaa hin ta’u gaddas raawwadhee hin argu waan jetteef,”** kun keessumatti kan inni wajjin deemuu Sef. 2:15 fi Isa. 47:7-8 wajjin. Inni kan inni eeru dandeeti ofitii fi oftuulummaa dha, kunis kufaati seexanaatiif burqaa kan turee (eeramuu kan danda’uu Isa. 14 fi Hiz. 28), kufaatiin ilma namaa (Uma. 3), fi kun seera bara raawwii biyya lafaati. Rakkoon isaa bilisummaa raajiiti!

“Laphee” dhaaf  mata duree addaa 2:23 irratti ilaali.

**18:8 “Kanaaf guyyaa tokkotti dha’ichii ni dhufu”** kunis Isa. 47:9 adda kan ta’ee kan eeruu dha. Guyyaa tokkotti gadda irratti yaad-rimeen kufaati ishee lakk. 17-19 irrati irra deebi’ameera, achi irrattis jechi Yohaannis “sa’atii” faayidaa irra ooleera. Kun kiristaanoota ari’atamaniif jajjabina guddaa dha.

▣ **“Abbidaanis ni gubatti”**  kun Lew. 21:9 kan eeru ta’a. mata duree addaa “abidda” 16:8 irratti ilaali.

▣ **“Kan itti faraduu Waaqayyo jabaa dhaahoo”** kun Ermi. 50:34 kan eeruu dha.

## MUL'ATA :18:9-10

**9Mootonni biyya lafaa warri ishee wajjin ejjan, qannoo keessaa ba’aatti jiraatan, aara gubbachuu ishee yemmuu argan, isheedhaa fi bo’anii wawwaachuuf jiru. 10Dhiphina ishee sodaataniis irraa fagaatanii dhaabatan, yaa Baabiloon atii mandara gudditii! Wayyoo kaa, yaa mandara humna qabeeti, firdiin kee sa’atti tokko keesssatti dhufee’oo, wayyoo kaa ni jedhu!” in jedhu.**

**18:9-10 “”Mootota biyya lafaa”** kun 17:12, 16 irratti mootota eeraman irraa kan adda ta’ee ta’uu qaba, isaanis halalee ishee gudditti badiisa ishee fi kufaatii ishee irratti kan hirmaatan. Moototonni kun walumaa galatti saba daldalaa dha, daldala irraa kan fayyadaman, seera mormii Waaqayyoon. Kunis magaalaa daldalaa ishee guddoo kan Xiroosii fi mooti ishee isa of tuulaa kan eeruu dha, His. 26-28 irratti. Boqonnaa 18 kan yaadachiisuu humna ,daldalaatiin kan machaa’aan, seera biyya lafaa kufee wajjin kan hariiroo qabanii dha.

## MUL'ATA :18:11-20

**11Nagaadonni biyya lafaa si’achi mi’a isaanii namni irraa bituu waan hin jireef, isheedhaaf in bo’uu in gadduufis. 12Mi’a warqee, meetii dhagaa gati-jabeessaa, callee, uffata quncee talbaa qulla’aa irraa hojjetame, uffata bifa dhiilgee, haarri, uffata bildimaa, muka urgaa’uu hundumaa, mi’a ilka irraa hojjetame, mi’a muka baay’ee gati-jabeessa irraa hojjetame, mi’a sibiila diimaa, kan sibiilaa, kan dhagaa midhagaa, gati-qabeesas, 13Qarafaa, urgooftuu dibataa, ixaanaa, qumbii, haphee, daadhii wayinii, dhadhaa ejersaa, daakuu bulla’aa, qamadii, saawa, hoolaa, farda, konkolaataa fardaan harkifamuu, garba, lubbuu namaa iyyuu isaan irraa kan bituu hin jiru. 14Isaan yemmuus, “wanti lubbuun kee ija isaa argachuudhaaf hawwee turee si harkaa ba’eera, simboon kee fi cululuqni kee hundinuu si harkaa badaniiru, deebi’aniis matumaa hin argaman!” ittiin jedhu. 15 Nagaadoonni mi’a kana bitanii gurguran warri ishee irraa sooruma argatani turanis, dhiphina ishee sodaachuu irraa kan ka’ee irraa fagaatanii dhaabatanii in bo’u in gadduuf. 16Bo’icha keessaas, “Mandara gudditii ishee uffata quncee talbaa qullaa’aa, uffata dhiilbee fi bildiimaa uffachaa turteef ishee warqeedhaaf dhagaa gati jabeessa, callees naqachaa turteef wayyoo! Wayyoo! 17Sa’atii tokko keessatti badhaadhumaan kun hundinuu waan bade ta’eera!” in jedhu. Warri markaba irratti ajajan, warri markabaan adeeman, warri markaba keessaa hojjetan, warri hojii galaana irratti hojjetamuun jiraatan hundinuus ishee irraa**

**fagaatanii in dhaabatan. 18Aara gubachuu ishee yeroo argan hiyyanii, "Mandara kamtuu akka mandara guddittii kanaa turee?" jedhan. 19Biyyoo mataa isaanii irratti firfisanii, in bo'an, in gaddanis; iyyanii, "Mandara guddiitii, ishee warri markaba galaana irraa qaban hundinuu badhaadhumaa isheetiin sooromaniif wayyoo! Wayyoo! Sa'atti tokko keessatti kan badee taateeti!" in jedhu turan. 20Sagaleen tokko immoo "Yaa bantii waaqaa, kana irratti gammadi! Isin warri Waaqayyoof qulqullooftan, ergamoonni isaa warri lafa irraa, raajonnis, Waaqayyo isheetti isiniif isheetti wan faradeef gammadaa!" jedhe.**

**18:11-19 "DAldaltootni biyya lafaa in bo'uufis in gadduuf"** kun kan His. 27 wal fakkaatuu dha:

1. Lkk. 11- His. 27:31, 36
2. Lakk.12-13 – His. 27:12, 13, 22
3. Lakk. 15 _His. 27:31, 36
4. Lakk. 17- His. 27:26-30
5. Lakk. 18- His. 27:32
6. Lakk. 19 –His. 27:30-34

Inni kan inni ibsuu daldala addunyaalessaati:

1. Birriin Ispeen irraa
2. Quncee talbaa Gibxi irraa
3. Haarri Chaayinaa irraa
4. Muka kaaba Afrikaa irraa
5. Ilka arbaa Afrikaa irraa
6. Sibili Ipeen irraa yookaan garba guraacha irraa
7. Qarafaan Indii irraa
8. Daldala garbaa addunyaalessaa
9. 18:13

**NASB, NKJV,**
**NRSV, NJB "Konkolaatawwan"**
**TEV "Konkolaatawwan"**

Kun kan inni argisiisuu kan dhuunfaa, abba kotee afuuri konkolaataa konkoolaata qananiiti, konkoolaata waranaa osoo hin taane.

**18:14 "Kan qanasiisuu fi kan bareechu"** kun tapha jechaati, jecha Gikrikiitii fi lipara (qananii) fi lampra (kan barreeche).

**18:17** kun kan His. 26-28 (magaalaan Xiiroos) kan eeruu dha, isaan geejiba qananii kan irratti kan hojjetan ni gaddu, jireenya mataa isaanii miidhamu irraa kan ka'e.

**18:19 "Mataa isaanii irratti hawaara firfirfatanii"** mata duree adaa: seera gaddaa 1:7 irratti ilaali.

**18:20 "Ishee irratti gammadaa"** kun kan Erm. 51:48 kan eeruu dha, ammam illee warri tokko tokkoo kana Kes. 32:43 (septuwaajeentiidhaan) akka eeru yoo argisiisaniis, akka biyya dinagdeeti, kufaati Baabiloonii fi akka bo'an, amantootni immoo akkanuma ni gammadu!

▣ **"Waaqayyo ishee irratti faradeerahoo"** guutummaa macaafa isaa irratti firdiin Waaqayyoo kadhata ijoollee isaati wajjin wal qabata (6:10).

**MUL'ATA :18:21-24**

**21 Kana boodee ergamaa aangoo-qabeessi tokkoo dhagaa akka dhagaa daakuu guddaa tokkoo fuudhee galaana keessatti darbate, "Baabiloon mandarri gudditiin akkas furgigifamte, gadi in darbatamti, deebitees hin argamtu! 22'Sagaleen warra kiraara rukkutuu, kan walees, kan warra ululee fi fiinoo afuufaniif, deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu; namoonni waan gara garaa midheegsani hojjechuuti beekaman, deebi'anii si keessatti hin argaman; sagaleen dhagaa daakuus deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu; 23Ifni ibsaa; deebi'ee si keessatti hin ifu; sagaleen dhirsa misiroo fi kan misiroo deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu; duri illee nagaadonni kee namoota gurguddoota biyya lafaa turan, sabni hundinuu qoricha namatti gochuu keetiin gowomfamani turan. 24Amma immoo, dhiigni raajootaa fi kan warra Waaqayyoof qulqulla'aanii, kan warra lafa irratti qalamanii hundinuu ishee keessatti argamu isaati fi, kun ittiin jedhame" jedhe.**

**18:21 "Ergamaa aangoo-qabeessi tokkoo dhagaa akka dhagaa daakuu guddaa tokkoo fuudhee galaana keessatti darbate"** kun Ermi 51:63-64 kan eeruu dha. Innis dubbifama jabaa dha, Baabiloon raawwatee lammaffaa akka hin kaanee kan argisiisuu dha. Akka dhugaa isaa yoo ta'ee lakk. 21-23 dachaa al=ta'aa jaha qabu, "dhuguma hin ta'u" "haala kamiinuu hin ta'u" fi "raawwatee hin ta'u, raawwatee."

▣ **"Kana boodees raawwatee hin argamtu"** kun kan inni argisiisuu waligala badiisa jaabaatee dha (His. 26:21).

**18:22-23** isaan kun baha dhi'oo duriitti kan sagalee jireenya guyyaa guyyaati. Firdii Waaqayyoo, Waaqa kan hin qabne hawaasa gara raawwataati isaan fida (Isa. 24:8, Erm. 7:34, 25:10, His. 26:13).

**18:23 "Qoricha namatti gochuu keetiin ormootni hundumtuu dogogoraniiru"** kun kan Nahoom 3:4 eeruu dha. Lakk. 23-24 irratti magaalatii guddoon /kufuu isheetiif sababni sadii tareefamu isaani hubadhu.

1. Oftuulummaa fi badhaadhummaa (Isa. 23:8)
2. Waaqa tolfamaa waaqessuu fi qoricha namatti gochuu (Lew. 19:26, 33, Kes. 19:9-12)
3. Saba Waaqayyoo ari'achuu (16:6, 17:6).

**18:24** kun Erm. 51:49 eeruu dha

**GAAFFILLEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kun hiika yeroo ta'uu, kana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktuu fi itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktootni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kana deebiftee hiika irratti jecha kan biraadhaan akka hin fudhanne.

Gaaffillee mare kanaaf kan kennamaniif kutaa kitaaba kanaa dhimoota gurguddoo akka ta'utti akka qayyabatuuf akka si garaaruudhaaf. Kana jechuun akka ta'utti akka itti yaaddu si kakaasuuf malee kana qofatti akka murtooftuuf miti.

1. Boqonnaa 17 fi 18 ramaddii barreefamaatii? Yoo ta'es, maaliif?
2. Baabloon yeroo kuftee hiikuudhaaf baay'ee rakkisaa kan inni ta'eef maaliif?
3. Bara Yohaannisitti halalee ishee guddoon Baabiloon eenyuudha kan inni argisiisuu? Bara keenyaahoo? Bara raawwataatoo?
4. 14:8, 17:2, 18:3 irratti kan eeraman safu-maleessaa fi wayiniin maal argisiisu, seera addunyaa kanaa wajjin kan wal qabateenii?
5. 17:10-11 hiika kee adaraa kee ibsi.
6. Baay'ee kan Yohaannis eeruu kitaaba kakuu moofaa isa kamiidha kan fudhataman?

# MUL'ATA 19

## RAMADDIIWWAN KEEYATA HIIKAWWAN HAARAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| (18:21-19:14) mo'ichaa | Samiin Baabilooniina Gammade | Samii irratti galata | (18:24-19:4) | Faarfannaa |
| Hirbaata cidha Hoolichaa | 19:1-10 | 19:1-4 | Afeeraa cidha hoolichaa | 19:1-4 |
| 19:5-8 | | 19:5-8 | 19:5-8 | 19:5-10 |
| 19:9-10 | | 19:9-10 | 19:9 | |
| | | | 19:10a-b<br>19:10c | |
| Farda adi irra Kan taa'e | Kristoos farda adii irra | Mo'icha Kristoos fi loltoota isaa | farda adii irra kan taa'e | lola bara raawwata isa dhumaa |
| 19:11-16 | 19:11-16 | 19:11-16 | 19:11-16 | 19:11-16 |
| | Bineensichii fi Loltootni isaa Ni mo'an | | | |
| 19:17-21 | 19:17-21 | 19:17-21 | 19:17-18 | 19:17-18 |
| | | | | 19:19-21 |
| 19:19-21 | | | | |

**RAMADDII DUBBIFAMA FUULA SADAFFAA (fuula v kutaa seensaa irratti ilaali)**

**Yaada barreessaa jalqabaa sadarkaa tokkoon tokkoon keeyatichaatiin hordofuu**

Qajeelfamni qayyabannaa kun hiika yeroo ta'uu, kana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktuu fi itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktootni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kana deebiftee hiika irratti jecha kan biraadhaan akka hin fudhanne.

Boqonnicha al tokko dubbissi. Yaada ijoo irratti (ramaddii dubbifama lakk. 3 fuula vii). Yaada ijoo kee ramaddiwwan olitti kan tarreefaman hiikoota shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo dadhabees yaada barreessaa jalqabaa kan ta'ee kan hiikaa wanti guddaan irratti ni argama. Keeyatni tokko tokkoo yaada ijoo tokkoo fi tokkoo qofa qabataniiru.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.k.f

**AKKA HAALA BARREEFAMAA MUL'ATA 19:1-21**

A. Kutaa mul'ata kanaa keessatti ramaddiin boqonnaa kanaa bakka barbaachisaa hin taaneedha kan inni godhame (ramaddiin boqonnaawwani, ramaddiwwwan keeyataa, ramaddii lakkoofsootaa, ibsi qubee, seera tuqaalee isa guddaa yaada hafuuraan liqimfamuu kutaa barreefama Girikii miti). Mul. 19:1-10 ifatti tuqaa xumuraati, badiisa halaleetti guddootiif, 17:1-18:24 kan eerame. Namoonni Soroyaadhaaf kufaati Baabiloon kakuu moofaatti akka itti gammadan, amma ergamoonni qulqulloonni (lakk. 4) ishee halalee kufaati Baabiloonitti ni gammadu (jechuun, Waaqayyo irraa kan fagaatee mootummaa namaa), amantootni 18:20 irratti akkuma godhan.
B. 19:1-10 kan jiru galati duraa boodaa deebii 18:20ti.
C. Kun hubannoo wali gala kan qabatee deebi'ee dhufuu Kristoos akka ibsuu boqonnaa dha (19:11-16). Ha ta'uu malee ilaalamuu kan qabuu boqonnaan kun kan biro marsaa firdii kan cufuu dha. Deebi'ee dhufuu Kristoos boqonnaa kana keessatti ibsameera jecha barbaachiisaa Yihudootaa, kunis walumaa gala 1Tas. 4:14-18 irra kan jiru ibsa Phaawuloos irraa adda kan ta'e. Yihudoonni Masihiin haala inni ittiin deebi'ee dhufuu abdii kan godhatan kan ibsamee lakkoofsa 11-16 irratti. Kakuu haaraan immoo dhufaati isaa kan inni ibsuu wantootaa adda addaa heedduudhaan garuu haala wajjin deemuun. Kristaanoonni heedduun bara dhumaa kan isaan ilaalan haala ibsa ibsa Yesus gaara DabraZayit irratti godheedhaan (Mat. 24, Mar. 13, Luq. 21) fi Phaawulosiin "nama fincilaa" haala ibsaan (2Tas. 2).
D. Kan dhiphatanii fi kan ari'ataman , Yesus akka lolaatti, akka ittisaatii fi kan faradu ta'uu isaa kan jajjabeessuu dha.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MUL'ATA 19:1-5A

**1Kana booda tuuta baay'ee keessaa huursu nan dhaga'e; innis, "Haleluyaa! Fayyinni, guddinni, aangoon kan Waaqayyoo keenyaati! 2Firdiin isaa dhugaa, qajeelaas waan ta'eef, inni ejjituu gudditii ishee halalummaa isheetiin baay'ee lafa balleessite sanatti faradeera; dhiiga hojjetoota isaati isa isheen dhangalaftees gumaa baaseera" jechaa ture. 3Ammas itti dabalanii, "Haleeluyaa! Aarri mandaratti gubatu sanaas baraa amma bara baraatti ol in ka'a" jedhan. 4Manguddoonni digdami afran, uumamni lubbuu qaban afranis gadi gombifamanii, Waaqayyo isa teessoo irra taa'ees sagadan, "Ameen Haleeluyaa!". 5Sagaleen tokko immoo teessicaha biraa ba'e, "Isin hojjetootni isaa hundinuu, isin warri isa sodaatan, xinnaanis guddaanis Waaqayyo keenya jajadhaa!" jedhe.**

**19:1 "Akka sagalee hawaasaa guddaa kan qabu sagaleen waaqa irratti dhaga'e."** kun Ermi. 51:48 kan eeruu dha. Boqonnaa 17-18 baayinaan Ermi. 50-51 irraa kan waraabamee dha (kufaatii Baabiloon) fakkeennoo isaaniitiif. Gaaleen wal fakkaatan kun yookaan yaad-rimeen immoo mul'ata 11:15 irratti argama (deebi'ee dhufaatiin isaa, malakata torbaffaa boodaa) fi 19:6. Sabi kun eenyuun ta'uu akka danda'an mariin baay'een geggeefameera, garuu inni amanamoo kan ta'an raayyaa ergamootaa ha ta'u, namoota furaman, yookaan lamannuus ha ta'uu kun tilmaama.

▣ **"Haleeluyyaa"** hiiki jecha Ibirootaa kun "Yaahiwweef ha gallatu" dha (BDB 237 ii fi 219). Kun qofaa isaa jecha asitti uumamee dha, kakuu haaraatti. Innis haala barreefamaa kanaan yeroo afur ta'eera: lakk. 1, 3, 4, fi 6. Dubeessii kakuu moofaa asitti kan argamuu faarfannawwan galataa irratti dha, lamanuu ayyaana faasikaa f,I godoo waaqeeffanaa irratti (104:35, 105:45, 106:48, 11:1, 112:1, 113:1, 116:19, 117:2, 125:1, 21, 146:1, 10, 147:1, 148:1, 14, 149:1, 9, 150:1, 6). Gaalee wal cinaa lakk. 5b 'irratti argama.

▣ **"Fayyina"** kun amalli inni argisiisuu yaada Waaqayyooti, ilma namaa hundumaatiif kan inni qabu (9:20-21, 14:6-7, 16:9, 11, 21:7, 22:17, His. 18:23, 30-32, Yoha. 3:16, 4:32, 1Xim. 2:4/, 4:10, 2Phex. 3:9, 1Yoha. 4:14). Innis kan inni eeruu danda'au yaad-rimee kakuu moofaatiin, fayyisuu qaamaa, ha

ta'uu malee kan wali gala, kan bara baraa, kan uumamaa fayyina wajjin deemuu danda'a namoota amananiif, fi uumama foonii hundumaaf (HoE. 3:21, Rom. 8:18-25, Qol. 1:19).

▣ **"Hulfinaa fi humna"** macaaficha hundumaa keessatti faarfatootni waaqa irraa galata Waaqayyootiif ni faarfatu. Faarfannaan galataa kun yeroo hundumaa akkaataa haala barreefamichaatti akkuma sanaan hiikuudhaaf furtuu dha.

**19:2 "Firdiin isaa dhugaadhaa fi tolaa hoo"** kun kan eeruu Faru. 19:9, 119:138 fi 142 ta'a. firdiin Waaqayyoo ta'uu kan kan qabuu haqa qabeessa dha (firdiin marsaa sadii mul'ateera). Kunis rakkina keessatti kan darban obbooloota kiristaanootaa kan jajjabeessuu ture (lakk. 1115:3, 4, 16:7).

▣ **"Halalee guddiiti"** kun kan kufee, mormituu Waaqayyoo seerota biyya lafaa maqoolli baay'eedhaan nii waamama.

1. Magaalatti guddoo
2. Baabiloon
3. Halaleetti (14:8, 16:19-21, 17:1-18:24)

Lakk. 1-4 boqonnaa 17 fi 18 akkataa haala barreefamichaa kan ittiin itti fufanii dha.

▣ **"Ejja isheetiin lafa kan balleesite"** kun kan in ni argisiisuu waan qaqabatamuu dha, ejja, yookaan safu-maleessa kan ta'ee wal baay'isuu waaqeffannaa waaqa tolfamaa, yookaan waaqeffannaa durii (2:14, 20, 21, 9:21, 14:8, 17:2, 4, 18:3)

## Mata duree addaa: Diiguu, balleessuu, dhabamsiisuu (*PHTHEIRŌ*)

Jechi kanaa hiikii hundeen *phtheirō* balleessuu, balleessuu, dhabamsiisuu yookaan miidhuu dha. Innis fayyadam irra kan oolu

1. Horii balleessuu (tarii 2Qoro 7:2)
2. Miidhaa qaama (1 Qoro 3:17A)
3. Baduu safuu (Roomee 1:23, 8:21, 1 Qoro 15:33, 42, 50, Galaa 6:8, Mul'ata 19:2)
4. Miidhaa qunaamtii saalaa (2 Qoro 11:3)
5. Badiisa bara baraa (2 Pheexi 2:12, 19)
6. Aadaa namootaa balleessuu (Qolaa 2:22, 1 Qoro 3:17B)

Jechi kun yeroo hundumaa fayyadama irra kan ooluu qabiyyee barreefama wal fakkaataa akka faallaa alta'aa ta'eeti (Roome 1:23, 1 Qoro 9:25, 15:50, 53). Faallaa wal cinaa kan keenya qaama foonii biyya lafaa fi qaama bara baraa biyya waaqa irraa giddutti akka ta'n hubadhu.

1. Kan baduu faallaa isaa kan in badnee 1 Qoro 15:42, 50
2. Salphina faallaaa isaa ulfina 1 Qoro 15:43
3. Dadhabbii faallaa isaa jabina 1 Qoro 15:43
4. Qaama uumamaa faallaa isaa qaama hafuuraa 1 Qoro 15:44
5. Addaam isa duraa faallaa isaa Addaam isa booda 1 Qoro 15:45
6. Bifa biyya lafaa faallaa isaa bifa waaqa irraa 1 Qoro 15:49

▣ **"Dhiiga hojjetoota isaanii harka ishee keessaa waan fudhateef,"** kun Kes. 32:43 yookaan 2Mot. 9:7 (Rom. 12:19) kan eeruu dha. Waaqayyo karaa kadhannaa qulqullootaatiin ni hojjeta (6:9-11, Mat. 7:7-8, 21:22, 14:13-14, 15:7, 16, 16:23-24, 26, Yaq. 4:2, 1Yoha. 3:22, 5:14-16).

Mormituu Waaqayyoo seera biyya lafaa kanaa ;yeroo hundumaa saba Waaqayyoo akka ari'atee fi akka ajjeessee dha. Waaqayyo hamaadhaa fi ni hiyyama, yaadni isaa dhugaan akka beekamuuf (13:5, 7, 15).

**19:3 “Aarri ishees bara amma bara baraatti ni ba’a”** kun Isaayaas 34:10 kan eeruu dha, innis, .firdii wali galaa kan argisiisuu dha. Yaadachuu kan qabn u kun sharbee barreefamaa (kan Apokilaaptiki) dhugaa argisiisuudhaaf fakkeenya fayyadamuu isaati. Dhugaan kun ta’uu kan danda’uu lama keessaa tokkoo tuqaa giddu galeessaa yaadamuu dha:

1. Adaba bara baraa (6:10, Mat. 3:12, 25:41, Luq. 3:17, Mar. 9:43, 48)
2. Badiisa wali gala (Isa. 34:8-10). Dhugaan wal fakkaataan kun mul’ata 14:11 irratti argama

**19:4 “Jaarsolli digdami afran”** mata duree addaa 4 irratti ilaali.

▣ **“Ameen”** jechi kun 1:6, 7, 3:14, 5:14 fi 7:12, 19:4, 22:20 fi 22:21 faayidaa irra ooleera. Innis kan kakuu moofaa jecha Ibirootaa yeroo ta’u “amantiidhaaf” (emeth, Imb. 2:4). Hundeen jechaa inni guddaan isaa “jabaachuu” yookaan “amansiisaa ta’u) dha. Innis kakuu moofaatti faayida irra kan inni oole amanamummaa Waaqayyootiif. Ta’us, kakuu haaraatti fayyadamni isaa dursee hirbaata gooftaa wajjin, “irratti wali galeera” yookaan “cimseera” bifa jedhuun. Mata duree addaa: amen 1:6 irratti ilaali.

## Mata Duree addaa: Amanuu, Amanachuu, Amantii fi Amanamummaa kakuuu moofaatti rma.

I. Ibsaa Bantuu

Isaan bariums Waaqayyuummaa Yaada rime fayyadamaa taa’uu kan qabu, Kakuu Haaraa fi bay’ee murteessaa akka ta’ee dha. Kakkuu moofaa fi ifatti akka taa’ee osoo hin taane. Inni sirri umatti achii dha. Haa ta’uu malee kan inni mul’atee kan filataman furtuu keewwataa fi namootaa.

Kakuu Moofaa kan waliin make

1. Nama dhuunfa dhaa fi uummatichaa
2. Mudannaa namaa dhuunfaa fi Abbomamuu kakuuwwan

Amantiin mudannaa nama dhuunfaa fi tooftaa jireenya guyya guyyaati innis nama dhuunfaatiif ibsuun ni salphata, ifa jechaan ibsuu irra (jechuun, qayyabannaa jechaa). Kunbifa nama dhuunfaa kan wayyuun kan mul’ate

1. Abirahaamii fi Sanyii isaa
2. Daawwiiti fi Isiraa’ee

Isaan Namooni kun kan isaan wal-argan / kan walitti isaan fidee waaqayyoo dha, akkasumas jireenyi isaanii dhaabbataatti jijjirameera. (kan jirenya muda hin qabnee miti, garu itti fufeenyaan amanti jiru). Qoramsi dadhabbif cimina amantii isaani mull’isa, waaqayyoo wajjin walitti dhufenya qaban, garu hiriyummaa, walitti dhufeenya wal amantaa qabu yeroo hunduma itti fufa! innis qorameera waamameeras, garu inni itti fufa akka kennaa isaaniti fi ragaa tooftaa jireenyaisaani.

II. Isa guddaa hundee jechaa fayyadama isaa.

A. אמר (BDB 52)

1. Goochima
   a. *Qal* - itti hirkachuuf, kunuunsuuf (jechuun, 2[faa]Mootota 10:1,5; Asteer 2:7, fayyadama barumsa waaqayummaa kan hintaane)
   b. Hundee *Niphal* – sirritii mirkanefachuuf ykn cimsuuf, dhaabuu, mirkaneefachuuf, amanamaa ta’uf ykn kan amaanaman
      (1) Namaaf,Isaayaas 8:2; 53:1; Erimiyaas; 40:14
      (2) Wantotaaf, Isaayaas. 22:23
      (3) Waaqayyoof, keessadeebi 7:9,12; Isaayaas 49:7; Erimiyaas 42:5
   c. Hundee *Hiphil* – cimanii dhaabachu, amanuu, amanachu
      (1) Abrahaam Waaqayyoon amane, seeraa uumama 15:6
      (2) Isiraa’elloonni Gibxiitti amanan, seeraa ba’uu 4:31; 14:31 (seera keessa deebii 1:32 kan fallesu)
      (3) Isiraa’elloonni Yaahiwwee amanan, isa karaa Musee dubbate, seeraa ba’uu 19:9; faarsaa Dawiti 106:12,24

(4) Akaazii waaqayyooti hin amanne, Isaayaas 7:9
(5) Isatti kan amanu hudumtuu, Isaayaas 28:16
(6) Waa'ee Waaqayyootiif dhugaa amanaman, Isaayaas 43:10-12

2. Maqaa (kan dhiraa) – amanamumaa (jechun, seeraa keessa deebii 32:20; Isaayaas 25:1; 26:2)
3. Dabal gochima dhuguma dhuguman, irratan wali gala, akkasi ta'uu danda'a (seeraa Keessa deebii 27:15-26; 1Mootota 1:36; 1eenaa baraa 16:36; Isaayaas 65:16; Ermiiyaas 11:5;28:6).kun kan "ameenii"kan tokkuma fayyadama waaqefannati, Kakuu Moofaa fi kakuu haara.

B. (אמת BDB 54) kan dubartii maqaa, ciimina, amanamumaa, dhugaa
1. Namootaaf, Isaayaas 10:20; 42:3; 48:1
2. Waaqayyoo dhaaf, seera ba'uu 34:6; Isaayaas 38:18,19; 61:8 Faarfannaa 117:2
3. Dhugaa dhaaf, seera keessa deebii 32:4; 1 Mootota1 22:16; Faarsaa Dawiiti 33:4; 100:5; 119:30; Ermiyaas 9:4; Zakkaariyaas 8:16

C. (אמרות BDB 53),cimina,cimuu, amantootumaa
1. Harkaaf, seera ba'uu 17:12
2. Yeroo dhaaf, Isaayaas33:6
3. Namotaaf, Ermiiyaas 5:3; 7:28; 9:2
4. Waaqayyoo dhaaf, farsaa Dawiiti 40:11; 88:12; 89:2,3,6,9; 119:138

III. Kan Phaahuloos fayadama bu'uurri yaadaa kakuu mofaa rma

A. Phaahuloos Yaahiwees ta'e kan kakuu mofaa hubannosaa haraa bu'uura kan godhate kan mataa isaa dhunfaa waltti dhufeenya akka tasaati, Iyeesuusi wajjin karaa damaasqotti (hojii Ergamootaa 9; 22; 26).

B. Innisi deggersa kakuu mofaa barbadeera hubannosaa haraa dhaaf ijoo kan taa'an keeyeta lama irratti,isaanis hundee kan gargaaraman אמר

1. Seera uumamaa 15:6 - wal quunnamtiin dhunfaa Abrahaam Waaqayyoo dhaan kaka'e (seera uumamaa 12) bu'aan isaasi amantii dhaan jireenya abboomamu kan ta'e (seera uumamaa 12-22). Phaawuloos isa kana Roomee 4 fi Galatiyaa 3 irrati dubbatera.
2. Isaayaas 28:16 - isatti kan amanan hundumtuu (jechun, Waaqayyoo kan qoree fi dhagaa golee kan kaa'e) Raawwatee
   a. Romee 9:33, "in qana'uu"yookaan "hin gaabbisisuu"
   b. Roome 10:11, akkuma isa olii kan ta'e
3. Imbaqoom 2:4 isaan isaa amanama Waaqayyoonni kan beekan jireenya amanachuu qabaachu isaan irra jira (Irmiyaas 7:28). Phawuuloos barreeffama kana Roome 1:17 fi Galatiyaa 3:11 (Ibiroota 10:38 irratti yaadannoo jiruu ilaali).

IV. Kan Pheexiroos kan kakuu moofa fayyadama yaad-rimee

A. Pheexiroos kan waliin make
1 Isayaas 8:14, Phexiroo isaa dura 2:8 (Dhagaa guufachisuu)

2 Isaayaas 28:16, Phexiroos isaa dura 2:6 (dhagaa gollee)
3 Faarsa Daawit 111:22, Phexiroos isa duraa 2:7 (dhagaa tuffatamaa)

B. Isira'eeliin kan ibsu qooqaa adda ta'een gala galcha, "sanyii filatamaa, lubboota mooti, sabaulqulla'aa,saba dhaala Waaqayyoo ta'e"
   a. Seera keessa deebii 10:15; Isaayaas 43:21
   b. Isaayaas 61:6; 66:21
   c. Seera ba'uu 19:6; Seera keessa deebi 7:6

   Kanaafi amma kan gargaarame Kiriistoositti kan jiruu amantii walda kiriistaanatti

V. Kan Yoohaniis fayyadama hundee bu'uura yaada

B Kan saa fayyadama kan Kakuu Haara

"In amane jechii jedhu jecha Girikii irraa (Pisteuo) yemmuu ta'u, innis immoo kan hiikamuu "amanu,""amanti,"yookaan in oola. Yoohaniis 2:23-25 qajeellumman sabichaa kan guutee kennamuu jirachuun isaa amansisaa miti Yesuus nazireeticha akka Masihiitti fudhachuudhaaf. Fakkeeny iraan,jechii kun "amanu"fayyaadama guutuu hin taane kan argamu Yohaaniis 8:31-59 fi Hojii Hrgamoota 8:13, 18-24 irrattidha. Inni dhugaana amantii macaafa Qulqulluu deebiin jalqabarraa guddaadha. Innis hordofuu kan qabuu gara adeemsa duuka buutuutti (Matihoos 13:20-22, 31-32).

C Fayyadamnii isaa kan wal-hidhee wajjiin

1. *eis* jechuun "gara … keessa (Be) jechudha . kun adda kan ta'e qinda'umaa cimina kan kennuu amantootni amanta isaani/amanamuu isaani gochuu kan qaban Yesuus irraatti
   a. Maqaa isaatiin (Yoohaniis 1:12; 2:23, 3:18; 1 Yoohaniis 5:13)
   b. Isaan (Yoohaniis 2:11; 3:15,18; :39; 6:40; 7:5;31,39,48; 8:30, 9:36; 10:42; 11:45; 17:37, 42; Matihoos 18:6; Hoji Hergamoota 10:43; Philiphisihoos 1:29; 1 Pheexiroos 1:8)
   c. Anaan (Yoohanis 6:35; 7:38; 11:25, 26; 12:44, 46; 14:1, 12; 16:9; 17:20)
   d. Ilma isaatiin (Yohaannis 3:36; 9:35; Yohanniis isa dura 5:10)
   e. Yesuusiin (Yohanniis 12:11; Hojii Hergamoota 19:4; Galatiyaa 2:16)
   f. F Ifaa isaatiin (Yohanniis 12:36)
   g. Waaqayyoodhaan (Yohanniis 14:1)
2. *en* jechuun "keessa"dha, akka Yohannis 3:15;Marqoos 1:15; Hojii Hergamoota 5:1
3. *epi* jechuun "keessa"yookaan "irra,"dha, akka Matihoos 22:42; Hojii Ergamoota 9:42; 11:17; 16:31; 22:19, Roome 4:5, 24; 9:33; 10:11; 1 Ximooxiyoos 1:16, 1 Pheexiroos 2:6
4. DATIVE CASE hirkataa jechama kan wal hidhee jiruu akka Galatiyaa 3:6; Hojii Hergamoota 18:8; 27:25; 1 Yohanniis 3:23;5:1
5. *hoti*, hiiki isaa "kan amane"maal akka amane qabiyyee isa argisisa
   a. Yesuusi Qulquulluu kan Waaqayyoo ta'uu isaa (Yohanniis 6:69)
   b. Yesuus kan jiruu fi kan jiraatudha (Yohanniis 8:24)
   c. Yesuus abbaa keessa abbaan immoo isa keessa jira, (Yohanniis 10:38)
   d. Yesuus Masihiidha (Yohannis 11:27, 20:31)
   e. Yesuus ilma Waaqayyootti (Yohannis 11:27,20:31)
   f. Yesuus abbaadhaan ergamee (Yohanniis 11:42,17:8,21)
   g. Yesuus abbaa wajjiin kan jirudha (Yohanniis 14:10:11)
   h. Yesuus abbaa bira dhufee (Yohanniis 16:27,30)

VI. Guduunfaa

Amantaan Macaafa Qulqulluu jecha/abdii Waaqummaatiif deebi namoota. Waaqayyoo yeroo hundumaa ka'umsa isa in fudhata (jechuun, Yohanis 6:44, 65), haa ta'uu malee kan walitti dhuufenya Waaqummaa kun arman olitti deebii namootaaf kaa'era.

1. Amanuu
2. Ajajamuu kakuu

Amantaa Macaafa Qulqulluu

1. Walittii dhuufenya dhuunfaati (ka'umsa amantii)
2. Dhugaa Macaafa Qulqulluuti amanachudha (mul'achuu Waaqayyootti amanu)
3. Isaafiis deebi kan ta'u deebii sirrii (amantaa guyyaa hundumaa)

Amantaan Macaafa Qulqulluu motummaa Waaqayyootiif tikeetti miti yookaan kan inshuuraansii Poolisii. Innii walitti dhuufeenya dhuunfaati. Kun kan uumamaa fi akeeka ilmaa namaati, bifaa fi fakkaatti

Waaqayyootti kan uumamaan (Seera uumamaa1:26-27). Ijoon dubbii "walitti dhiyaachu"dha. Waaqayyoo tokkuma barbaada, kan ta'e ejjeennoo Waaqayyummaa osoo hin ta'in! Haa ta'uu malee isa Qulqulluu Waaqayyoodha wajjiin tokkuma ta'u,ijjoollota "kan maati isaani"amala akka calaqisisan kan jiruu gaafata (jechuun, qulqulluummaa, Lewoota 19:2; Matihoos 5:48; 1 Phexiroos 1:15-16).

Kuufaati (Seera uumama 3) dandeetti deebi sirrii kennuu keenya miidhe. Waan ta'eef, Waaqqayyoo bakka keenya godhe (Isqeel 36:27-38), "laphee haara"kennuudhaan, akkasumaas "haafura haara,"innis amantidhaan akkasumaas kara qalbi jijiranaa isa wajjin tokkummaa akka qabanuuf akka aboomamnuuf kan nuu dandesisuu!

Isaan sadan kun isaan gurguddoodha. Sadanuu hundumtuu eegu irra jiraata. Galmii isaas Waaqayyoon beekudha (Ibirootaa fi galumsaa Girikiin) akkasumas jireenya keenyatti amala isa calaqisiisu. Galmii amantii guyyaa tokkoo kan argamuu mootummaa Waaqayyoo miti, haa ta'uu malee guyyaa hundumaa Kiristoosiin fakkaachudha.

Bu'aa amanamumaa namootati (kakuu haara), hundee isaa osoo hin ta'iin "Kakuu Moofaan"Waaqayyoo wajjiin walitti dhuufeenya jiru: amantiin namoota amanamumaa isaattin;

amanachuun namoota amanamummaa isaa irratti. Handhuuri isaa kan Kakuu Haarailaalchii fayinna irraatti kan ta'u, namooti dirqamatti deebi kennuutu irra jiraata ka'umsa isaa irraa kan ta'e kan itti fufuu, ka'umsa isaa kan ta'e ayyaana fi hararaa Waaqayyoo, Kiristoosiin kan mul'ate. Inni mjaallateera, inni ergeera, inni kenneera; nu'iis amantiidhaa fi amanamumaadhaan deebi isaa kennuun in ta'a)Effessonn 2:8-9 fi 10)!

Inni amanamaan Waaqayyoo, saba amanamaa barbaada, mataa isaa biyya lafaa amantaa hin qabne ibsuudhaaf isa irratti kan ta'u amantaa dhuunfa fidduudhaaf.

**19:5 "Tessocha biraa sagaleen ba'e, akkas jechaa"** "Waaqini keenyaa" gaaalee jedhuraa kan ka'ee (Lk. 5b), kun Ergamaa ta'uu qaba, Waaqa osoo hin taane. Yesus Waaqayyoon raawwate "Waaqa keenya" jedhee waamee hin beeku (Mikaa'eel Maagil, NT Transline, fuula 1011).

## MUL'ATA : 19:5B-6A

**5Sagaleen tokko immoo teessicha biraa ba'ee, "Isin hojjeetootni isaa hundinuu, isin warri isa sodaatan, xinnaanis guddaanis Waaqayyo keenya jajadhaa!" jedhe.**

▣ **"Waaqa keenya galateeffadhaa"** kun kan Faru. 115:13, 134:1, 135:1, kan eeruu dha. Sagalichi xiyyaafataa gocha ammaati, inni garuu "Haleeluyaa" kan caaluu adda kan ta'ee dha, lakk. 1, 3, 4 fi 6 irratti kan argamu. Inni haala barumsa hafuuraatiin kan hin baratamnee dha, kunis ergamaan "Waaqa keenya" kan jedhuu fayyadamuun, ta'us garuu lakk. 10 kan inni argisiisu ergamoonni mataa isaani kan isaan of beeksisan qulqullootaa wajjin tajaajila qofaan miti, garuu immoo, qulqulloota wajjin dhuga-baatii isaanii wajjin, Yesuusiin kan ilaalte.

▣ **"Garboonni isaa hundumtuu isas kan sodaatan xixxinayyooni fi gurguddoonni"** kun Faru 115:13 kan eeruu dha (innis duraan dursee Mul. 11:18 irratti kan eerame).

**19:6** gaaleewwan ibsa ta'an kun faayida irra kan oolaan

1. Waaqayyoodhaaf His. 43:2
2. Ergamaa jabaadhaaf Dan. 10:6
3. Kristoosiif Mul. 1:15
4. Saba furameef Mul. 14:2
5. Akka haala barreefamichaa irraa garee faarfatoota ergamootaa fakkaata

## MUL'ATA 19:6b-8

**6Kana beedee immoo wanta akka sagalee tuuta baay'ee, kan akka uursaa bishaan baay'ee fi gungummii qaqawee humna qabeessa tokko nan .dhaga'ee; innis, HAleeluyaa! Gooftaan keenya Waaqayyo, inni hundumaa danda'uu ni mo'a. 7Kottaa ni gammannaa, in ililchinaas! Maqaa isaas ni guddiifnaa guyyaan gaa'ila hoolichaa ga'eera misiroon isaas isaaf of qopheessiteeti! 8Uffata quncee talbaa irraa hojjetame, callaqisaa fi qullaa'aa uffachuun isheedhaaf kennameera" jedhe; uffanni quncee sunis hojii warra Waaqayyoof qulqulla'aanii isa qajeelaa dha.**

◘ **"Hundumaa kan bituu Waaqayyo gooftaa keenyaa"** kun kan sadanuu maqaa Waaqayyooti , kakuu moofaa irraa (Yaahiwwee, Eelohiim, Elshaada'ii. Mata duree addaa: maqaa Waaqayyummaa 4:8 irratti ilaali) karaa adda addaatiin ni uumama 1:8, 4:8, 11:7, 15:3, 16:7, 14, 19:15, fi 21:22 irratti.

"Kan keenya" kan jedhuu maqa-dhaal baay'ee kan hin baratamnee dha, sababa ergamaan dubbachuu isaatiin. Innis kan biraadhaan bakka kamittuu hin taane, isaan waamama sadan kanaan. Ragaan barreefamichaa, isaaf wali galli isaa jabaa dha.

1. “Waaqayyo gooftaan keenyaa” sirreefama duriitiin MS $\aleph^2$ (UBS[4] kana barreefamaan teesisa, garuu “C” sadarkaadha kan inni kennu)
2. “Waaqa keenya, gooftaa keenyaa” isa jalqabaa irraa MS kan $\aleph^2$
3. Barreefama Girikii xixxiqaa kan boodaa irraa tokko tokkoo keessaa, “Waaqa keenya” (MSS 051, 209)
4. “Waaqayyo gooftaa” (MS A)
5. “Gooftaa” (Pessita fi galalchi Koptiki)

▣ **“Kan bitu”** marii heedduun geggeefameera, sababa yeroo gochama gochaatiin (11”17). Warri tokko tokkoo isa akkaataa isaan itti argisiisan, Waaqayyo bituu isaa jalqabuu isaati (galuu yookaan yeroo gocha jalqabu, Faru. 93:1, 97:1, NJB). Ta’us, Waaqyyo yeroo hundumaa akkuma biteetti jira (dhaabataa yookaan kan dhugaa .gochaa Faru. 99:1). Warri tokko tokkoo isa kana kan isaan argisiisan Waaqayyo amma lafa irratti mo’uu isaati, akkuma samii irraa (kan dhumaa fi yookaa gocha dandeettii qabu, Mat. 6:10). Kan bara raawwataatiif ijaarsa mootummaa Waaqayyoo yeroo baay’ee mul’ata irratti ta’eera, firdii marsaa adda addaatiin dhuma irratti (chaappawwan, mallakatawwan, xoofoowwan). Kunis 11:15 wajjin wal cina fakkaata. Innis Isa. 24:23, 52:7, yookaan Mik. 4:7 kan eeruu dha. Mata duree addaa: mootummaa Waaqayyooti mo’uu 5:10 irratti ilaali.

**19:7** gochamni lamaan jalqabaa lakk. 7 irratti haala kan ibsuu dha.

1. Ha gammannu __gocha yeroo ammaa
2. Baay’ee ha gammannu __ gocha yeroo ammaa

Gochamni sadaffaan garagarummaa heedduu qabu.

1. dÔsÔmen (dhaabataa kan hin taane kan gocha haala ammaa ibsuu) __ MS P
2. *dÔsomen* (kan fuulduraa), “ulfin Laanaaf” __ MSS $\aleph^2$ A
3. *dÔmen* (kan gocha haala ammaa kan ibsu)__ MS $\aleph$*

lakk. 1 fi 3 akkuma gochama isa duraa lamman hiikamuu danda’u, “ul;fina haa laanuuf.” Lakk. 2 “ulfina laanaaf” kan jedhuun hiikamuu danda’a (RSV) UBS[4] lakk. 1 “C” sadarkaa laata, UBS[3] “D” sadarkaa laata. Koree isa kam,tuu isa jalqabaa akka ta’ee murteessuu hin dandeenyu.

▣ **“Ulfina kennaafii”** kun gaalee fakkiidu ta’a amanachuudhaaf, amanuuf, yookaan amantie dha, i Kristoos irratti ka’aachuuf. 11:13 irratti hiiki isa kan irra deebi’amee fi kan amantootaa kan ta’e gocha firdii Waaqayyoo irraa kan ka’e. gaaleen kun saba Waaqayyootiif faayidaa irra ooleera 14:7 irratti , akkasumas kan hin amannee rakkina kan fudhatan Waaqayyoon Waaqeessuudhaaf diduu isaanii 16:9.

▣ **“Cidha hoolichaa”** “hoolaa” hiika aarsaa kakuu moofaa qaba (Lew. 1:7). Gaaleen kun waa’ee aarsichaatii fi kan tokkummaa hirbaataa (aarsaa nagaa) wal qabsiisa. Kanaaf hafeeraan cidhaa kan eeru qaba, Mat. 8:11, 26:29, Luq. 14:15, 22:16 irratti. Kan irratti xiyyaafatuuf seera cidha Yihudootaa kan yeroo wal kaadhimatanii, yeroo itti eegaani fi kan guyyaa torbaa afeeraa cidhaa irratti. Ajaa’ibsiisaa kan ta’uu dubbifama xiqqaa booda fakkiduun isaa ni jijjira, sabni Waaqayyo akka misiroo osoo hin ta’in, akka cidhaati kan waamaman ta’aanii (lakk. 9 fi Mat. 22:1-14). Fakkiduu isaas ammas ni jijjira 21:2, 9 irratti, saba Waaqayyootiif akka “ Yerusaaleem ishee haaraa”. Waaqayyoodhaaf waldaa kristaanaatti kan argamuu yaad-rimeen gaa’iilaa kakuu moofaatti Isa. 54:4-8, 62:5, Erm. 31:32, His. 16 fi Hos. 2:14-19 irratti argama. Fakkiiduun isaa kakuu haaraatti 2Qor. 11:2, Efe. 5:21-31,Mul. 19:9, 21:2, 9, 22:17 irratti argama. Dabalataaniis Yesuus akka misirootti bakka bu’eera (Mat. 9:15, Mar. 19-20, Luq. 5:34-35, Yoha. 3:29). Fakkeenyi heedduun qabatama kanaa argisiisa (Mat. 22:1-14, 25:1-13). Gaa’illi baay’ee kan wayyuu fakkeenya namoomsuuti, yaad-rimee kakuu macaafa qulqulluu.

▣ **"Haati manaanis mataa;ishee waan qopheesiteef"** gocha yeroo ammaa argisiisuu dha. Warri tokko tokko kana akkaataa isaan itti hiikan akka hoji namaa 'badhaasa qabuuti. Lakk. 8 gocha hoji irra ooluu kan argisiisu hiiki kun dhugaa ta'uu akka hin dandeenyeedha. Kun akka yaada barreefamichaatti kan inni cimsuu Waaqayyoodhaan ka'umsa gochaa (Yoha. 6:44, 65), lakk. 9 irratti afeeraan jiru kan mul'atuu, kunnis, kan xumuramee keeyata hoji irra oolee fi mucaa namaati barbaachisummaa deebii amantii (Mar. 1:15, HoE. 3:16, 19, 20:21) gidduu kan jiru yeroo dhaga'aan dhugaa kan hin fakkaannee garuu immoo dhugaa ta'uu kan danda'u walitti dhufeenya. Walitti dhufeenyi yeroo dhaga'aan dhugaa kan hin fakkeennee garu immoo dhugaa ta'uu kan danda'uu Fil. 2:12-13 irratti argamuu danda'a. innis degersa argata, lakk. 8 irratti dhugaa jiru, Waaqayyo uffachuudhaaf hiyyama 'kennuu isaa, uffatichi garuu kan inni argisiisuu hoji gaarii dha (hoji tolaa) sabni Waaqayyoo (14:13, Efe. 2:10 , 1Xim 5:25).

Kan kakuu haaraa jecha fakkii irratti A.T. Roobertson lakk. 7 irratti yaada ajaa'ibsiisaa qaba. "Fakkiduun dubartoota sadii Apokalipsi irratti argamu (haadha boqonnaa 12 irratti, ejjituu 13 hanga 19 irratti akkasumas misirioo Kristoos as irraa hanga dhumaatti). 'Inni tokkooffaa fi sadaffaan waldaa kristaanaa keessatti argamuu, kallatti jireenya ishee adda addaatiin, deebii lammaffaa kan ta'u isheedhaaf jibiinsa guddaa fi diinummaa dha (Siweet)" (Fuula 449).

**19:8 "Hojii tolaa qulqullootaa"** "hoji tolaa" jechi jedhu (dikaiōma) kakuu haaraatti akkaataa fayyadama heedduu qabu.

1. Inni kan eeruu kan Waaqayyoo gocha haqaati (15:4)
2. Inni kan eeru gocha Yesus, bakka mucaa namaa du'uu isaa (Rom. 5:16, 18)
3. Inni kan inni argisiisu ta'uu kan qabuu jireenya amantootaati (19:8)
4. Inni kan argisiisuu labsii, seera, yookaan ittiin bulmaata, yeroo hundumaa seeri Musee (Luq. 1:6, Rom. 1:32, 2:26, 8:4, Ib. 9:1, 10, ).

Jecha Girikii kana keessaa maatii wajjin kan wal qabatu dhimmi barnoota hafuuraa inni guddaan (*dikaioÔ,dikaiÔsis፧ dikaios፧ dikaiosune)* ilmi namaa kufee akkamitti sirri, tola, sirri, tolaa akka ta'ee ibsuu akka danda'uu dha. Cimsaan taa'uu kan qabuu haalli hafuuraa yaalli nmaatiin gonfachuu dadhabuu dha (Rom. 3:21-30, Efe. 2:8-9), garuu filannoo Waaqayyummaatiin (abbaa) karaa gocha Waaqayyummaatiin (ilma), fi karaa harkisuu Waaqayyummaatiin, hafuura qulqulluudhaan (Yoha. 6:44, 65). Mucaan namaa bu'aa xumurame qofa fudhachuu kan danda'u (Rom. 5, 2Qor. 5:21).

Galmi ejjennoo sirri jireenya sirrii dha, jireenya Kristoosiin fakkaatu (Rom. 9:29, Gal. 4:19Ef. 1:4, 2:10). Jireenyi tolaa Kristoosi wajjin kan jiru ragaa jireenyaati (14:13), waka'umsa walitti dhufeenya achii osoo hin taane (Gal. 3:1-3)! Mata duree addaa 19:11 ilaali.

## MUL'ATA :19:9-10

**9Yemmus ergamoonni sun, "Warri gara cidha gaa'ila hoolichaatti waamaman ha gammadan! Atis kana caafii!" itti dabalees, "kun dubbi Waaqayyoo isa dugaa dha" naan jedhe. 10Kana irratti isaaf sagaduudhaaf miila isaatti nan kufe; inni garuu, "Kana gochuun siif hin ta'u! Ani siif, obboloota kee warra isa Yesus dhugaa ba'eetti qabamaniifis hidhata hojiiti, Waaqayyoof sagadi!" naan jedhe. Inni Yesus dhugaa ba'ee immoo isa hafuurri namoota raajii dubbachiisuu dha.**

**19:9 "Ha gammadan"** kun warra furamaniif eeba torban keessaa isa arfaffaa dha, Mul'ata irratti (1:3, 14:13, 16:15, 19:9, 20:6, 22:7, 14).

▣ **"Kan waamaman"** kun kan xumuramee caas-luga si'a'aa hin taane, innis waamicha fayyisuu Waaqayyootiif cimsa laata (17:14, Yoha. 6:44, 65).

▣ **“Kun dhugaa sagalee Waaqayyoti”** gaaleen kun amanamummaa ergaa ergamichaatiif cimsa laata (21:5, 22:6).

**19:10 “Sagaduufis miila isaa irrati kufa”** marii heedduun geggeefameera, Yohaannis ergamichaaf sagaduudhaaf yaaluu isaa (22:8). Yohannis ta’I jedhee kan keessa galche ta’uu danda’a, waaqeffannaan ergamootaa akka sagalee mormuu (22:9, Qol. 2:18). Yoha. Jecha ergamaa jabaa kanaatiin na’eera, fi tarii qaama waaqummaa itti fakkaatee ta’uu danda’a (Uma. 16:7-13, 22:11-15, 31:11, 13, 48:15-16, Ba’u32:4, 13:21, 14:10, Abo. 2:1, 6:22-23, 13:3-22, Zak. 3:1-2, Luq. 24:5) yookaan qaamaan mul’achuun hafuuraa (22:8-9).

▣ **“Si wajjiniin dhuga-baatoota Yesus kan ta’aaniif obboloota ke wajjinis ani hojjetaadha”** Yohannis bakka kanatti gocha wal fakkaataa kanaan mataa isaa waameera 1:1 irratti. Ergamichi mataa isaa kan beeksisee akka ergamaa hojjetaa Waaqayyooti qofa miti (Kes. 32:2, Faru. 103:21, Dan. 17:10), garuu immoo kan furaman ijoollee namaatiif (Ib. 1:14). Ergamaan kun ammas immoo mataa isaa of beeksiisa, dhuga-baatoota Yesuus wajjin, kun kan dubbatameef qulqullootaaf, ergamaa caalaa(12:17).

▣ **“Dhuga baatuun Yesus hafuura raajiiti naan jedhe.”** Kun gaalee baay’ee hin baratamnee dha, kanaaf bal’ifamee hiikameera. Innis argisiisuu kan danda’u inni tokkoo

1. Yesus akka raajii xiyyaafataatti
2. Raajiin akka mallatootti kan jijjiramuu dhugaa, sun Yesus bara hafuuraa haaraa kan fidee (1:2, 6:9, 12:17fi 14:12, gaalee kanaaf faayidaa wal fakkaatu)
3. Yesus hafuura raajii isa guddaa dha (“Hafuura Waaqa” wajjin wal fakkaata 2Xim. 3:16)

Akka yaada barreefamichaatti kan inni argisiisuu, Kristoositti kan amanan hafuuraan geggeefamu. Eenyu iyyuu gara Kristoos dhufuu hin danda’u

1. Hafuurri yoo harkisuu baatee (Yon. 6:44, 65)
2. Erga wangeelaa akka hubatuuf yoo gargaaruu baatee
3. Kristoositti akka amanuuf yoo jajjabeessuu baatee
4. Kristoositti yoo cuuphuu baate
5. Kristoosiin keessa isaa yoo kaa’uu baatee (Yoh. 16:8-11).

Tajaajilli hafuuraa Kristoosiin mul’isuu dha!

## MUL'ATA 19:11-16

**11kana booddee ilaalee, bantiin waaqaa banamee, farda adii tokkoos nan argee, inni fardicha irra taa’ee maqaan isaa “Amanamaa dhgaas” in jedhama; firditti, lolattis qajeellummaadhaan ni hojjeta 12Iji isaa akka barbadaa abiddaati, mataa isaa irra waan akka gonfoo baay’eetu jira;maqaan isa irratti caafamee jiru tokko qaba, garuu isuma malee, namni tokk illee hin beeku, 13uffata dhiiga cuuphame tokk ni uffata, maqaan isaas “sagalee Waaqayyoo” jedhame. Loltotni Waaqa keessaa immoo uffata quncee talbaa adii fi qulla’aa uffatanii, fardeen adaadii irra ta’aanii, isa duukaa in bu’an. 15Afaan isaa keessaa billaa qaramaa isa inni ittiin saba Waaqayyoo warra hin ta’in rukkututu ba’e. inni of isaatiin saba sana siiqee sibilaatiin ni tikse; inni ofi isaati iddoo cuunfaa wayinii dheekamsa sodaachiisaa isa kan Waaqayyoo hundumaa danda’uu dhidhituuf jira. 16Uffata isaa irratti gudeeda isaa irrattis maqaan, “Mooti mootootaa, gooftaa gooftootaas” jedhu caafame jira.**

**19:11 “Samiinis banameen argee,”** kun bifa gocha hoji irra oolee xumuramee yeroo ta’uu kan inni wajjin deemuus His. 1:1 waajjini dha. mul’ata keessatti yeroo baay’ee samiin banameera, (karaa

muraasa) Yohaannis dhugaa ibsuudhaaf, sadarkaa guddaachaa deemuu (4:1, 11:19, 15:5). Mata duree addaa 3:7 irratti ilaali.

▣ **"Farda adii"** misirichi keeyata darbe keessatti kan mul'atee hundumaa kan mo'uu lolaadha. Kun kan inni ibsuu dhufaati Yesus Yihudoonni abdi akka godhatanitti yeroo jalqabaa akka geggeessaa loltuu jabaati. Kun hanga tokkoo deebi'ee dhufuu kan jedhuu ibsa Phaawulos irraa adda (deebi'ee dhufuu) kunnis 1Tas. 4:13-18 irratti argama. Ari'atama irra kan jiran kristaanootaaf kun baay'ee fakkiduu jajjabeessuu dha. hiiktootni yaadachuu kan qaban

1. Kun kan guutee xumuramee ibsa deebi'ee dhufuu isaati ta'uu dhiisuu isaa
2. Fakkeennoo, qooqa Apokilaptikiiuffachuu isaa
3. Inni dhugaa dha, Waaqni keenya, Kristoosiin matuma isaa fudhachuuf deebi'ee akka dhufuu (Yoh. 14:2-3) fi ijoollee namaa hundumaa irratti akka hojii isaanitti akka faraduu (Gal. 6:7)

▣ **"Isa irra kan taa'ee"** ammam illee 6:2 irratti fardi adiin yoo jiraatees, kun adda ta'uun isaa ifaa dha.

▣ **"Kan amanameef isa dhugaa jedhama"** "kan amanameef isa dhugaa" jechoonni jedhan Ibirootaan amanamummaa dabarsuu (Mul. 3:14 akkasumas 1:5, 3:7).

## MATA DUREE ADDAA: "DHUGAAN ISAA" (YAAD-RIMEE) BARREEFAMA YOHAANNIS KEESSATTI

Yohannis duubeesa Ibirootaa fi duubeessa Girikkii waliin makeera *alētheia "dhugaa"* logos irratti akka godhee (1:1-14). Ibirootaan emeth (BDB 53) kan inni ibbsuu dhugaa isa kam amanamaa ta'uu isaati (innis yeroo hundumaa saptuwajeentiidhaan *pisteuÔ* wajjin wal qabata). Girikiidhaan inni kan wal qabatuu dhugaa Pilaatoo irraa faallaa dhugaa kan hin taane, kan waaqa irraa faallaa kan lafaa wajjinidha. Kun kan Yohannis kan hin jijjiramnee wajjin wali galu. Waaqayyo ifatti mul'ataa godheera (alētheia hundeejechaa, mul'isuu, argisiisuu, ifatti mul'ataa gochuu dha) mataa isaa karaa ilma isaatiin. Kunis karaa heedduudhaan mul'ateera.

1. Maqaa, alētheia , dhugaa
   a. Yesus ayyaana guutuudhaa fi dhugaa dha (1:14, 17 __ kan kakuu moofaa jecha kakuu)
   b. Yesus dhuga baatii Yohaannis cuuphaa irraatti xiyyaafata dha (1:32-34, 18:37 __ raajii kakuu moofaa isa dhumaa)
   c. Yesus dhugaa dubbata (8:4, 44, 45, 46 mul'ata kan mirkaneessuu fi mattayyaa dha)
   d. Yesus karaa, dhugaa, fi jireenya (14:6)
   e. Yesus dhugaadhaan isaan qulqulleessa
   f. Yesus (Logos, 1:1-3) dhugaa dha (17:17)
2. Addeessa, *alēthēs*, dhugaatti kan amanate
   a. Dhuga- baatii Yesus (5:31-32; 7:18, 8:13-14)
   b. Firdii Yesus (8:16)
3. Addeessa, *alēthinus* amansiisa dha
   a. Yesus ifa dhugaadha (1:9)
   b. Yesus budeena dhugaa dha (6:32)
   c. Yesus wayinii dhugaa dha (15:1)
   d. Yesus dhuga-baatuu dhugaa dha (19:35)
4. Dabal gochama, *alēthÔs, dhugumatti*
   a. Dhuga-baatuu Samiraawii sana Yesusiif, akka fayyisaa biyya lafaatti (4:42)
   b. Yesus nyaataa fi dhugaatti dhugaa dha, bara Museetti Mannaa turee funaanuudhaan (6:55)

Dhugaa jecha jedhuuf barsiisonni isaa immoo dhuga baatii warroota kan biro ibsa, Yesusiif *alēthēs*,
   a. Dhuga – baatiin Yohannis cuphaa dhugaa ture (10:41)

b. Kan Yohaannis (barreessaan wangeela isaa) dhuga-baatiin isaa dhugaa dha (19:35; 2144)
c. Yesus akka raajii dhugaatti ilaalameera (6:14; 7:40)

Dhugaan kakuu haaraa fi kakuu moofaa ibsa gaarii kan Joorji. E. Ladiin kan barumsa hafuuraa kakuu haaraa fuula 263-269tti ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: "DHUGAA" (SAGALEE ISAA) BARREEFAMA YOHAANNISIIN

1. Waaqayyo abbaa
   a. Waaqayyo dhugaa/amanamaa dha (Yoh. 3:33, 7:18, 28; 8:26;17:3, Rom. 3:4; 1Tas. 1:6; 1Yoh. 5:20;Mul. 6:10)
   b. Karaan Waaqayyo dhugaa dha 9Mul. 15:3)
   c. Firdiin Waaqayyoo dhugaa dha (Mul. 16:7; 19:2)
   d. Haasaan Waaqayyoo dhugaa dha (Mul. 19:11)
2. Waaqayyo ilma
   a. Ilmi dhugaa/dhugummaa dha
      1) Ifa dhugaa (Yoh. 1:9;1Yoh. 2:8)
      2) Wayinii dhugaa (Yoha. 15:1)
      3) Ayyaanaa fi dhugaan kan guutame (Yoh. 1:14-17)
      4) Inni dhugaa dha (Yoh. 14:6; 8:32)
      5) Inni dhugaa dha (Mulo. 3:7, 14; 19:11)
   b. Dhuga-baatii ilmaa/dhuga-baatiin isaa dhugaa dha 9Yoh. 18:37)
3. Bifa wal bira qabuu qabaachuu danda'a
   a. Seera Musee yookaan ayyaana Yesuusiif dhugaa (Yo. 1:17)
   b. Lafa gammoojjii kan turee godoo bultii yookaan mana qulqullummaa waaqa irraa (Ib. 8:2, 9:1)
4. Yohaannisiin akkuma ta'ee hundumaa jechi kun hiika danuu qaba (Ibirootaa fi Giriki). Yohaannis kan inni itti fayyadamee abbaa fi ilma ibsuudhaan, akka qaamaatti, akka dubbatanitti, akka ergaa isaaniitti, kunis gara duuka buutuu isaanitti akka darbuu (Yoh. 4:13;19:35; Ib. 10:22; Mul. 22:6).
5. Yohaannisiif addeessi kun kan isaan ibsan abbaa dha, akka tokkoof qophaa isaa kan amaname hafuuraatti (5:44, 1Yoh. 5:20) fi Yesus akka dhuga isaa fi raawatee mul'achuu, biyya lafaa furuu, kun wajjin kan adeemu osoo hin taane, dhugaa!

▣ **"Dhugaattis ni farada ni lolas"** kun kan Isa. 11:3-5 (Isa. 9:7, 16:5, 32:1, Faru. 96:13) kan eeruu dha, kunis isa haaraa bara tolaa kan eeruu, isa haaraa bara hafuuraa. Gara gadii kan jiru mata duree addaa ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: QAJEELUMMAA

"qajeelummaa"n mata duree baay'ee murteessa ta'ee fi barataan mcaaa qulqulluus dhuunfaatti gadi fageenyaan qorachuu kan qabudha.

Kakuu Moofaa keessatti amalli Waaqayyoo "Qajeelaa" yookiin "qulfulluu"jedhamee ibsama (BDB841). Jechi inni Mosopotaamiyaa iyyuu kan inni dhufe, meeshaa ijaarsaa kan ittiin keenyaan manaa qajeelaa ta'uu isaa ilaalu irrati Waaqayyoo jedhichi fakkeenyaan amalli ofii isaatii akka ittiin ibsamuuf fo'ate. Inni golee qajeelaa (geggeessaa) isa wantoonni hundinuu ittiin madaalamanidha. Yaadni kun qajeelummaa waaqayyoo, akkasumas firdii kennuudhaaf aangoo qabaachuu isaa nu hubachiisa.

Namni akka fakkaattii waaqayyootti uumame (Cf. Uma. 3:15) Ilmaan namaa waaqayyoo wajjiin

jiraachuudhaaf umaman. Uumamni hundinuu walitti dhufeenya waaqayyoo fi nama gidduu jiruuf sadarkaadha. Waaqayyoo uumamni isaa inni guddaan (namni), akka isa beeku, isa jaallatu, isa tajaajiluu fi akka isa fakkaatu barbaada! Amanamummaan (abboomamuun ilmaa namaa ni qormama (Cf uma 3) warri jalqabaa sun lamaanis formaaticha ni kufan. Kunis walitti dhufeenyi waaqayyoo fi Ilmaan namaa gidduu jiru akka jeeqamu godhe. (cf. uumama 3; Rom 512-21).

Waaqayyo walitti dhufeenya kana akka deebisuuf akka haaressuu waadaa galee (Cf.Uma 3:15). Inni kanaa kan hojjete fedha ofii isaatiin, karaa Ilma isaati . Namoonni walitti dhufeenya kana haaressuu hin dandeenye (Cf. Rofm. 1:18-3:20)

Kufaaticha booddee, tarkaanfiin jalqabaa Waaqayyo walitti dhufeenyicha haaressuudhaaf fudhatu, yaada kakuu irratti hundaa'ee isa waamicha ofii isaatii irraatti hundaa'ee fi isa ilamaan namaas qalbii jijjiirannaa dhaan, amantiidhaan , akkasumas abboomamuudhaan fudhatniidha. Kufaaticha irraa kan ka'ee , ilmaan namaa gocha sirrii godhuu hin dandeenye (Cf.Rom. 3:21-31; Gaala.3) Waaqayyo ofuma isaatiin, ilmaan namaa warra kakuu diigan deebisuudhaaf itti gaafatamummaa fudhachuutu irra ture. Inni kana kan raawwate:

1. Ilmaan namootaati karaa hojii Kiristoos hojjeteetiin qajeelummaan mul'isuu (kunis qulqulluummaa isa mul'ate)
2. Karaa hojii Kiristoosiin ilmaan namootaatiif qulqullummaa tola kennuu (kunis qulqullummaa kenname)
3. Hafuura isa nama keessa buufatuu fi qajeelummaatti nama geessu ilmaan namaatiif kennuu (kunis Kiristoosiin fakkaachuu, haareffamuu fakkaattii Waaqayyo)

Haata'u malee, Waaqayyo deebii kakkuu barbaada, Waaqayyo tola kenna, ilmaan namaa garuu

1. Qalbii jijjiirrannaadhaan
2. Amantiidhaan
3. Jireenya ofiitiin abbboomamuudhaan, akkasumas
4. Itti jiraachuu dhaan deebii kennuu qabu, kanas walitti fufiinsaan gochuu qabu.

Kanaafuu qajeelummaan, kakuu irratti kan hundaa'ee fi gochaa gar-lamee kan Waaqayyo fi uumama isaa isa gudicha gidduu jirudha.. Amala Waaqayyo, hojii Kiristoos akkasumas Hafuurichi nama dandeessisuu isaa irratti hundaa'uudhaan namni hundinuu dhuunfaa isaatti walitti fufiinsaan deebii sirrii kennuu qaba. Yaadichi " amantii fiixaan baafachuu" jedhama, yaadichi wangeelota kessati mul'ifameera, garuu jedhoota kanaan miti.

Kun baayinaan kan ibsamee phaawuloosiin yommuu ta'uu, Inni jecha Girikii " qajeelummaa" jedhu bifa gaaraagaraatiin yeroo 100 ol fayyadameera.

Phaawuloos, barumsa amantiitiin kan leenji'e waan ta'eef jecha *dikaiosunê* jedhu, hogbarruu Giriikii irraa utuu hin ta'n jdha SDQ jedhu isa haala Hibruutiin macaafa qulqulluu isa afaan Giriikiitiin barreeffameetiin

fayyadama. Barreeffamoota Giriikii keessatti jeechichi nama wanta waaqnii fi hawaasni irraa eeguuf abboomamuu agarsiisa. Haala Hibruutii immoo yeroo hundaa jechoota kakuuu mul'isaniin wal hidhee jira. YHWH n Waaqa qajeelummaa, kan seeraa fi kan safuuti. Inni namoonni isaa amala isaa akka calaqqisiisan barbaada. Ilmaan namaa erga fayyina argatanii uumama haaraa ta'uu.Haaraa ta'uun kun immoo akkaaaa jireenyaa haaraa isa Waaqayyon fakkaatuutti nama geessa (xiyyeeffannoo mirkaneeffannoo Kaatoolikii Roomaa). Israa'el seera amantiitiin buliiwaan tarteef safuu uummataa fi fedha waaqayoo gidduu hiramanii if ta'e hin turre. Ibsi kun jedhoota Hibruu fi Giriikii tiin kan bsame yommuu ta'u afaan Ingiligiitti yommuu hiikamuus " Justice" (haqa) (uummataaf) " righteousness" (qajeelummaa) immoo (Amantiidhaaf) fayyadama.

Wangeelli yessuus(Misiraachoon) namni inni kufee ture Waaqayyo wajjiin walittidhufeenya isa jalqabaatti deebi'uu isaa dubbata. Kun kan inni raawwatame galaala, Araaraa fi Ayyaana Abbaa; jireenyaa, du'aa, fi du'aa ka'uu ilmaa; akkasumas gara wangeelichaatti nama geessuu Hafuura qulqulluutiini.Fiixaan ba'umsa fayyinaan kennaa Waaqayyo tola kennuudha. Garuu Waaqayyon fakkaachuunis jiraachuu qaba (yaada oogee---- isa yaada jijjiiiramaa, tola kennamuu Wangeelaa calaqqisiisuu fi xiyyeeffannoo kaatoolikii Roomaa jireenya jijjiirame isa kun jaalalaa fi amantii qabaachuu irrattti. Warra jijjiirama hordofaniif jechi " Qajeelummaa Qaaqayyoo" jedhu hojii nama isa cubbamaa Waaqayyo duratti kan fudhatame gochuu kan mul'isu yommuu ta'u warra kaatolikiitiif immoo adeemsa ittiin caalaatti Waaqayyon fakkaatan kan agarsiisuudha.Qulqullummaa guddachaa adeemu.

Qabatamaatti yommuu ilaalamu garuu yaadni kun lamaanuu fudhatam qaba!!Akkaataa ilaalcha kootiitti Gutummaan Macaafa qulqulluu uumamaa 4 hanga mul'ata 20 tti adeemsa Waaqayyo walitti dhufeenya isa Eden sana deebisuudhaaf adeeme kan agarsiisuudha. Macaafni qulqulluun walitti dhufeenya Waaqayyo fi nama gidduu jiru haala lafa irratiin ibsuudhaan jalqaba (Cf. uma 1-2) , akkasumas haaluma wal fakkaatuuun xumurama (Cf mul 21-22) Fakkaattiinii fi kaayyoon Waaqayyo deebi'ee haareffamuuf jiraa!

Waantoota armaan olitti ibsaman guduunfuudhaaf, barreeffamoota Kakuu Haaraa keessaa filataman kanneen gare jecha Giriikii mul'isan qalbifadhu.

1. Waaqayyo qajeelaadha. (yeroo baay'ee Waaqayyo Abbaa firdii ta'uu isaatiin wal-qabata)
   a. Rooma 3:26
   b. 2 Tasaloniqee 1:5-6
   c. 2 Timootewoos 4:8
2. Yesuus qajeelaadha.
   a. Hojii ergamootaa 3:14; 7:52 ; 22:14 (muudama Masihii)
   b. Maatiwoos 27:19
   c. 1Yohaannis 2:1 29; 3:7
3. Akeekni Waaqayyo uumama isaatiif qabu qajeelummaadha.
   a. Lewwota 19:2
   b. Maatewoos 5:48 (Cf.5:17-20)
4. Karaa waaqayoo ittiin qajelummaa uumuu fi kennuu
   a. Roomee 3:21-31
   b. Roomee 4
   c. Roomee 5:6-11
   d. Galaatiyaa 3:6-14
   e. Waaqayyon kan kenname
      1) Roomee 3:24; 6:23
      2) 1 Qoronxoos 1:30
      3) Efesoon 2:8-9
   f. Amantiidhaan kan fudhatamu
      1) Romee 1:17: 3:22, 26; 4:3, 5, 13; 9:30; 10:4, 6, 10
      2) 2Qoronxoos 5:21
   g. Karaa hojii ilmatiin
      1) Roomee 5:21
      2) 2Qoronxoos 5:21
      3) Filiiphsiyuus 2:6-11
5. Fedhii Waaqayyo warrii isa duukaa bu'an qulqulloota akka ta'anidha.
   a. Maatewoos 5:3-48; 7:24-27
   b. Roomee 2:13; 5:1-5; 6:1-23
   c. 1ximootewoos 6:11
   d. 2ximooteewoos 2:22:3:16
   e. 1Yohaannis 3:7
   f. 1pheexiroos 2:24
6. Waaqayyo qajeelummaadhaan biyya lafaatti faraduuf jira
   a. Hojii ergamootaa 17:31
   b. 2ximootewoos 4:8

Qajeelummaan amala Waaqayyo isa nama cubbamaadhaaf karaa iristoos kennameedha. Qajeelummaan

1. Abboommii Waaqayyoti
2. Kennaa Waaqayyoti
3. Hojii Kiristoosi

Garuu kan bal'inaan fudhatamuu qabu qajeelummaan akkasumas ademsa ittiin Waaqayyon fakkaachutti guddatan ta'uu isaati kunis guyyaa tokko dhufaatii isaa lamma irratti ifa ba'uuf jira. Walitti dhufeenyi Waaqayyo wajjiin jiru yeroo fayyanitti deebi'e namaaf haara'a garuu du'a booddee yookiin parousia ttifuulaa fuulatt walitti dhufuuf jireenya keessatti walitti fufiinsaan guddachaa itti fufa.

Armaan gaditti waraabbii gaarii tokki dhimma kana gudduunfuudhaaf dhiyaateera. Waraabbiin kun kan inni fudhatame, Galmee jedhootaa phaawuloosii fi xalayoota isaatii, IVP irrtti " kalviin, Luutar caalaa, bia walitti dhufeenyaa Qabaachuu qulqulummaa Waaqayyo irratti xiyyeeffata . Ilaalchi luutar qajeelummaa Waaqayyo irratti qabu bifa cubbuu namaa namaaf dhiisuu waan of keessaa qabu fakkaata. Kalviin garummaa walitti dhufeenychaa yookiin qajeelummaan Waaqayyo nuuf ennamuu isaa irratti xiyyeeffata.(fuula 8:34).

Akkakootti walitti dhufeenyii Waaqayyo fi nama gidduu jiru bifa sadii qaba.

1. Wangelichi nama (xiyyeffanno waldaa ishaa bahaa fi kalviin)
2. Wangeelichi dhugaadha(Xiyyeeffannoo Oogastiinii fi Luutar)
3. Wangeelichii jireenya jijjiiramedha (xiyyeeffannoo kaatoolikii)

Kaneen kun hundumtuu dhugaadha, jireenyaa kiristiyaanummaa fyya qabeessa, cimaa fi macaafa qulqulluu irratti hundaa'eefis wal-duukaa ilaalamuu qabu/ Tokko illee yoo keessaa akka malee ol kaafam yookiin gadi buufame, rakkoowwantuu uumamaa.

Nu'i Yesuusiin simachuu qabna!
Nuyi wangeelicha amanuu qabna!
Nuyi Kiristoosiin fakkaachuu duukaa bu'uu qabna!

**19:12 "Iji isaas akka araba abbidaati,"** kun kan ibsa Yesus, 1:4 fi 2:18. Innis duubessa ergamaa qaba, Dan. 10:6.,"

▣ **"Mataa isaa irraas gonfoo baay'eetu jiru"** kun kan inni argisiisuu gonfoowwan mootiti. Yesus goonfoowwan baay'ee qaba, kan biro caalaa

1. Farda adii irra kan taa'ee, 6:2 irratti (innis bu'a qabeessa kan ta'e bak-buusa waraanaa)
2. Seexana (jawwee diimaa, 12:3 irratti kan jiru)
3. Bineensicha 13:1

▣ **"Isa irraa kan hafee namni tokko illee kan hin beekne maqaa barreefame qaba,"** kun kan Mul. 2:17 eeruu dha, ha ta'uu malee yoo ta'ee iyyu hiiki isaa amma iyyuu ifaa miti. Warri tokko tokkoo akkaataa isaan itti ilaalan akka amantaa durii kan eerutti, kunis maqaa tajaajilaa beekuu isaan irratti aboo akka qabutti. Kan biroon akkaataa isaan itti fudhatan, inni dhugaa inni bakka bu'uu eenyuun iyyu yoo ta'ee amala Kristoos guutuu guutuutti akka hin beeknee dha. Waamamni isaa beekamuu dhabuu isaatiin, eenyudhaanuu waamamni Yesus hin eeramu ("kan amanamee fi isa dhugaa" lakk. 11, fi "sagalee Waaqayyoo" lakk. 13) dubbifama isaa irratti argama (yookaan kitaaba isaa keessatti "mootii mootootaati fi gooftaa gooftootaa" dabalee lakk. 16.

**19:13 "Uffata dhiigi itti faca'ees gonfateera"** firdii Yaahiwweetiif kan ta'u walaloo kan eeruudha, Isa 63:3, kunis immoo lakk. 15 irratti kan eerame. "Kan cuuphame" jechi jedhu (MS A, UBS[4] sadarkaa B kenna) yookaan "kan faca'ee" (MSS א* P Isa 63:3) gochama xumuramee dha, tarreesitootni maal akka argisiisu wali hin galle

1. Dhiiga diina isaati, kunis xiyyaafataa keeyyatichaa fakkaata, kanaaf Taargum (Targum) irratti mul'ateera, Uma. 49:10-11 (ta'us, akka haala barreefama isaatti, lolichi hin taane)
2. Matuma isaa kan furuu, dhiiga aarsaa isaanis qulqullooni uffata mataa isaani qulqulleessani kan ittiin miican (7:14)
3. Akkasumas ta'uu kan qabuu dhiiga dhuga-baatoota isaatitti, isaaf jaallatamoo kan ta'an haala akka barreefama isaati fillannoo lakkoofsa tokkoo baay'ee kan wayyu fakkaata.

▣ **"Sagaleen Waaqayyo jedhameera".** Kun jecha logos jedhuu dha, kunis kitaaba mul'ataa ergamaa Yohaannis wajjin kan wal qabsiisuu, innis qophaa isaa barreessaa kitaaba qulqulluuti, maqaa kana maqaa Yesuusiif kan itti fayyadame (Yoh. 1:1, 14; 1Yoh. 1:1).

Wangeelli lamanuuti, qaama (jecha jiraataa Waaqayyoo, Yesus)fi ergaa (kan barreefame sagalee Waaqayyoo, kitaaba qulqulluu). Kun kallatti lakkuu wal fakkaataa dha "amantii" jecha jedhuun fayyadama kitaaba qulqulluu argisiisa, kunis lammanuu gocha dhuunfaa Yesuusin fudhachuu fi kan wal qabatuu gocha walfakkaataa ta'en dhugaa doktriini fudhachuun ("amantaa," Yihu. Lakk. 3, 20).

## MATA DUREE ADDAA: KAN IBIROOTAA FI GIRIKII DUUBESSA LOOGOS

Duubessi jecha loogoos jedhuu

1. Duubessa kan Ibirootaa
   a. Humna jecha haasaa (Isa. 55:11, Faru. 33:6; 107:20; 147:15, 18), kan akka uumamaa

(Uma. 1:3, 6, 9, 11, 14, 20, 24, 26, 29) fi eebba abbootaa (Uma. 27:1; 49:1)

b. Fakkeenyoowwan 8:12-23 "ogummaa" akka uumama jalqabaa Waaqayyoof bakka bu'aan uumama hundumaa namoomsaa godha (Uma. 33:6 fi safartuu kan hin taanee ogummaa Solomoon, 9:9)
c. Taargum (hiika Haramayootaa fi tarreefamawwan) "sagalee Waaqayyoo" gaalee jedhuu gara loogositti jijjiiru, warri Antiropomofitootaa jechi waan isaaniif hin mijaneef

2. Duubessa Girikii
   a. Heerakilites__ lafti jijjirama irra jirti, nama kan hin taane hafuurri fi kan hin jijjiramne Loogos wali wajjin qabateera, ta'es adeemsa jijiirama isaa geggeessu
   b. Pilaatoo __ nama kan hin taanee fi kan hin jijjiiramne Loogos adeemsa pilaanetootaa geggeessu, tibbaawwanis ni murteessu
   c. Istokis __ Loogos "addunyaan sababa" turee yookaan geggeessaa, garuu walakkaan nama kan ta'e
   d. Fiiloo__ inni yaad rime loogoos namoomseera akka "angaffa lubaa innis lubbuu namaa Waaqayyo duratti kan dhi'eessu," yookaan "Waaqayyoodhaa fi nama gidduu riqicha jiru," yookaan "kan naanna'uu dha, kunis kan Universii Paayileeti waan hundumaa kan geggeessu" (kosmocrater)

**19:14 "Loltootni waaqa irra jiranis"** kun karaa lama hiikameera.

1. 17:14 fi asumatti akka haala barreefama sanaa asitti kan jiru lakk. 8 sababa ibsa qulqullootaa, baay'een isaanii kan tilmaaman kun qulqulloota kan eeruu dha.
2. Duubessi kakuu moofaa Kes. 33:2, Faru. 68:17; fi Zak. 14:5 akkasumas dubbifamni kakuu haaraa Mati. 13:41; 16:27, Mar. 8:38; 13:27, Luq. 9:26;1Tas. 3:13, 2Tas. 1:7 sababni isaa, baay'een isaanii kan amanan inni kan inni argisiisu ergamaadha. Kun kan wal fakkaataa walin dhama dha'u dubbifama heedduu irratti argama.
3. **19:15 "Afaan isaa irraas"** kun Isa. 11:4 fi Mul. 1:16 fi 2:16 kan eeruu dha. Fakkiduun firdii wal fakkaataa kun Yihudootaan og-barruu Apokilaaptikii irratti argama (Isdiriis 12:6, Faruu Solomoon 17:10, 45, 49 fi kitaaba 1Heenok 62:6).

▣ **"Billaa qaramaa"** kun kan wangeelaa yookaan Waaqayyo humna fakkiduun dubbate (Uma. 1, Isa. 55:11, Yoha. 1:1, 2Tas. 7:8), hiika akkuma jirutti osoo hin taane.

Bara dhumaatti ilma badiisa raayyaa ilma namaa isa fincilaa His. 38-39 irratti ibsameera. Kunis barbadaa'uun raawwatameera 1)Billaa (Hiz. 38:21, fi Mul. 19:15, 21) yookaan 2)Ibiddi Waaqa irraa (Hiz. 38:22; 39:6; fi Mul. 30:9. Kun mul'ata 19 fi 20 gidduu kan wal cina jiruu dha (jechuun, raayyaa ormootaa karaa adda ittiin balleefaman), lamanuu kan isaan argisiisan Hiz. 38-39 yeroo ta'uu tokkummaa isaa guduunfuu dha. 19 irratti kan jiru ibsa adda ta'e 20:1-10 irratti irra deebi'ameera. Irra deddeebiin isaas duraan dursee mallaattoo isaatiin, mallakata isaatiin, fi xoofoowwan isaa gidduutti mul'ateera.

▣ **"Ormoota"** kan raayyaa kanaa kan ka'umsa kakuu moofaa uummata Waaqa hin qabne, isaanis His. 38 irratti kan tarreefamanii dha, kan durii baha dhi'oo hundumaa (lakk.2, 5, 6, 13). Yohaannis kan His. 38-39 (yookaan Faru. 2) kan lola bara dhumaa fayyadameera, akka ka'umsa murna isaa, isa gaarii fii hamaa gidduu waa'ee lola bara dhumaa godhamuu! Yesus billaa guddaa qaba! 2:26 fi 10: 11 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Innis ulee sibilaatiin isaan bita,"** kun ibsa sadan keessa isa lammaffaati, waa'ee isa farda adii irra taa'ee. Kan ibsi firdi kun irraa dhufe Faru. 2:9 fi 110:5-6 (Mul. 2:27;12:5).

▣ **“Innis hundumaa kan bitu cuunfaa wayinii dheekamsa jabaa Waaqayyoo irra ejjeta”** ibsi firdii sadaffaa kun kan Isa. 63:2-3, Erm. 51:33, Faru. Erm. 1:15, Iyu. 3:13 (Mul. 14:19-20). Kan eeruu dha. Waayiniin irra ejjetame halluun isaa dhiiga warra durii, du’a, fi lola yaadachiisa!

“Dheekamsa Waaqayyoo” tiif 7:14 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**19:16 “Maqaa gudeeda isaa irratti barreefame”** “gudeeda isaa” jecha jedhuuf marii heedduun geggeefameera:

1. Billaan kun bakka inni itti godhamu irraa ta’uu isaan
2. Bakki kun, fayyaan isaa dugda fardichaa irratti ifatti kan irratti argamee dha
3. Innis qaama maashaa jabaati, akkasumas fakkeenya humna isaati

▣ **“Mootii mootootaatii fi gooftaa gooftootaa”** kun kan inni eeru maqaa tokko dha lamaa? Mul. 17:14 kan inni argisiisuu maqaa tokko akka argisiisuu dha (1Xim. 6:15). Innis duubessa kakuu moofaa lama kan yaadamu qabu:

1. Labsii Yaahiwwee (Kes. 9:17 fi Hen. 9:4)
2. Kan warra Baabiloonii fi kan fardeewwan boodaa maqaa afuuraa, innis gara Yaahiwweetti kan hiikame (Dan. 2:37)

Ajaa’ibsiisaa kan ta’u gaaleen kun Haaramiffaan hanga 777 dabalu isaati, bineensichaaf 666 faallaa adda baasuu. Kan caalaa raawwatee yookaan kan hamaatee mudaa malee ta’uu dhiisu isaa.

## MUL'ATA : 19:17-18

**17Kana boode ergamaan tokko biiftuu irra dhaabbatee nan arge. Innis alaatti bantii waaqaa walakkaa balali’aan hundumaa sagalee guddaadhaan waame, “Kottaa, nyaata isa guddaa Waaqayyo isiniif qopheesseef walitti qabamaa! 18Foon moototaa, foon abboota duula, foon warra goototaa, foon fardeeni, kan warra isaan irra ta’aanis, foon nama hundumaa, kan birmaduu, kan garbichaas, kan isa guddaa, kan isa xinnaas nyaachuudhaaf kottaa!” jedhe.**

**19:17 “Simbiroota hundumaaf”** kun keeyata sodaachisaa dubbifama kakuu moofaa lamanii kan eeruu dha, kunis ta’iwwan lolaa kan argisiisan. Kunis akka haala barreefamichaatti lola wal fakkaataa dha 16:12-16 irratti kan ibsame, Harmaagedoon kan jedhamu. Simboroowwan butatan gara lolaatti akka deeman ibsameera kan akka 1Sam. 17:46 (Mat. 24:28, Luq. 17:37) fi Hiz. 39:17-20, innis kan Googi fi Maagoog kan lola xumuraa. Yohaannis yeroo hundumaa fakkeennoo kakuu moofaa karaa haaraadhaan fayyadama. Boqonnaa 20 irratti lola Gogii fi Magoog seexana wajjin wal qabsiisa, waggaa kuma booda, akkasumas boqonnaa 19 irratti lolli jiru kan bar-kumee dura kan ta’uu dha, akkasumas bineensa cakkaa fi raajii sobaa wajjin kan godhamuu dha.

▣ **“Gara hirbaata Waaqayyo isa guddaati kottaa, walitti qabamaa”** “kottaa” jechi jedhuu kan hiikamee dabal gochama, akkasumas faayidaa irra kan oolee akka xiyyaafataa gocha ammaa kan lakkoofsa baay’ee ta’eeti, innis jecha lammaffaa irraa “walitti qabamaa” wajjin kan wal simuu, kunis kan hiji irra oole irratti kan xiyyaafatu kan baay’ee kan ta’e. kun lakk. 7 fi 9 irratti kan eerame hirbata hoolichaaf kallattiidhaan faallaa dha.hoolichi namoota badan ni hafeera, dhufanii akka fayyanii fi hafeeraa cidhichaa irratti akka argaman.ergamichi garuu alaatoota butatan hafeera, gara hafeeraa qaama warra du’aniitti (fi lubbuu du’an) kan lola yeroo raawwii guddatti (Efe. 12:9, Hiz. 39:17). Dheekamsi Waaqayyoo amansiisaa dha, hafeeraatti fakkeefameera, foon diina isaati irratti (Isa. 34:6; Erm. 12:12, 46:10; Sof. 1:7).

**19:18** kun deebi’ee gara 6:15 deema, kunis immoo yoomessa bara dhumaa, isaan kun ramaddii wali gala ijoollee namaa akkasumas immoo kan irratti eeraman. Sodaa utuu hin awaalamiin hafuu keessumatti kan hawaasa baha dhi’oo duritiif naasisaa ture.

Mo’ichaan deebi’ee ;dhufuun Yesus raawwii marsaa firdii tokkoon tokkoon isaa irratti ni mul’ata: mallattoowwan, 6:12-17 mallakatawwan, 11:15-18 fi xoofoowwa, 19:1-21.

**MUL'ATA :19:19-21**

**19Ergasii immoo bineensichi, mootonni biyya lafaas loltoota isaanii wajjin isa fardicha irra taa'uuf loltoota isaa loluudhaaf walitti qabamanii nan arge. 20Bineensichi inni qabame; raajichi sobduun inni fuula isaa duratti mulikita argisiise isa wajjin ni qabame; inni warra gubaa bineensichaa of irratti fudhatan , bifa fakkeenya isaatiif sagadan millikita sanaan gowoomse ture. Warri qabaman kun lamaan fayyumatti kuufama ibbidaa isa dhagaa boba'uun balalchu keessatti ni darbataman. 21 Warri hafan immoo billaa afaan isa farda irra taa'uu sana keessaa ba'een ni ajjeefaman; alaatiin sun hundinuus foon isaani kana quufanii ni nyaatan.**

**19:19** lolli barbaachiisan ni jalqabe. Kun Faru 2 kan eeruu dha. Kun kan inni argisiisu adda kan ta'e, akkuma jirutti kan inni ta'u lola bara dhumaati, yookiis isa gaarii fi isa hamaa gidduutti fakkeenya wal'ansoo geggeefamuutii? Sharbeen mul'ata fakkeenya ni argisiisaa, dubbifamni wal cinaa Mat. 24, Mar. 13, Luqa. 21, fi 2Tas. 2 kan akkuma jirutiti kan inni argisiisu. Hiiki isaa ifa kan hin taane kun madda wali galtee dhabuu isa guddaa dha, gama mul'ata hiikuutiin, namoota gaariidhaan. Anatuu beeka jechuun dhuguma sirri miti!

**19:20 "Raajichi sobaa mallattoo kan godhee"** inni bineensa lammataa dha (13:11-18, 16:13). Kun gara 13:12-13 deebi'ee deema, raajichi sobaatii fi bineensichi galaanaa gara walitti dhufeenya qabaniiti, kunis hafuura qulqulluu walitti dhufeenya jiru irraa kan hatamee dha.
▣ **"Mallattoo bineensichaa kan fudhatan"** (13:16-17).

▣ **Lamman isaani jireenyatti utuu jiranii gara galaana abiddaa dhagaa boba'uutti gataman"** "galaana abiddaa" gaaleen jedhuu kitaabni mul'ataa kan adda ta'ee dha, ta'us garuu jecha gahaanam jedhamuun wal fakkaataa dha (mata duree addaa 1:18 irratti ilaali), isas Yesus yeroo hundumaa kan itti fayyadamu, gahanamiin ibsuu dhaaf. Kan adda ta'ee waabii kakuu moofaa ta'uu kan danda'uu Isa. 30:23-33 fi Dan. 7:11 dha. Dubbifamni raajii hedduun jiru, firdii abiddaa irraa yookaan gubbachuudhaa wajjin kan wal qabsiisan. Kun qabatama ibidda bara baraa Apokilaptikiidhaan Yihudummaan gabataa dhufeera (Henook 27:1, 54:1, 56:3, 90:26, IVIz. 7:36, Apookaa, Paarook. 59:10, 85:13 [Jorji. E. Laad, irraa Mul'ata, fuula 258 irraa kan fudhatame]). Gaaleen kun Mul. 20:10, 14; 21:8 faayidaa irra ooleera. Inni seexanaafi ergamaa isaatiif bakka qophaa'ee dha, ha ta'u malee namoonni Waaqayyo irrati kan fincilan dabalataanis bakka kana bakka ga'umsa iddoo jireenya isaani kana ni argatu. Inni bakka iddoo jireenyaa seexanaa isa dhumaati. Inni Waaqayyo irratti kan fincilan raawwii isaaniti, akkasumas bifa dhaabataatti ta'ee kan boola gadi fagooti (Mat. 25:46;Mul. 9:11, 11:7, 17:8, 20:1, 3).

**19:21** Bifa bineensa sanaa kan fudhatan (13:16; 14:9, 11), isaanis amantoota kan ari'atanii dha, amma jecha Kristoosiin ni ajjeefamu (bineensichi galaanaa akka ta'u sanatti 2Tas. 2:8).

## GAAFFILEE MAREE

Kun <u>qajeelfama</u> hiika qayyabannaa yeroo ta'uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi'uutu nurra jira. Hitkoonni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kana deebiiftee hiIka irratti jechama biraan akka hin fudhanne.

Gaaffileen mare kun kan kennaman dhimma kutaa kitaaba kanaa isa gurguddaa akka ta'utti akka qayyabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuun akka ta'utti akka atti itti yaadduuf si kakaasuuf malee kana qofatti akka daangooftuuf miti.

1. Waaqayyoon kan galateefatan gareewwan adda addaa tareessi lakkoofsa 1-8 fi sababa galateefannaa isaanii.
2. Yaad-rimeen hafeeraa cidha hoolichaa eessaa dhufee, tokkummaan isaas maaliidhaa?
3. Lakkoofsi 10 waa'ee ergamootaa tokkummaa maalii qabaa?
4. Lakk. 11-16 faayidaa isaa ibsi, Kristoosiif faayidaa irra akka oolutti.
5. Lakk. 17-21 waraana akkamitii kan ibsamee? Bara dhumaatti lola hagamiitu jiraataa?

# MUL'ATAA 20
# HIIKOOTA HAARAAWAN KAN RAMADDII KEEYATAA

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waggaa kuma | seexanni waggaa Kumaaf hidhame | hidhamuu seexana fi mo'uu kitimamtootaa | waggaa kuma | moti ta'u waggaa kumaa |
| 20:1-3 | 20:1-3 | 20:1-3 | 20:1-3 | 20:1-3 |
| | Qulqulloonni Kristos Wajjin waggaa kuma Mo'u | | | |
| 20:4-6 | 20:4-6 | 20:4-6 | 20:4-6 | 20:4-6 |
| Mo'amuu seexana | Hameenyi seexamaa In balleefame | Raawwii lola seexanaa | hiikamuu fi mo'amuu Seexanaa | |
| 20:7-10 | 20:7-10 | 20:7-10 | 20:7-10 | 20:7-10 |
| Firdi teessoo adii Guddaa fuula isa duraa | firdii teessoo adii guddaa | firdii isa dhumaa | firdii isa dhumaa | firdii isa dhumaa |
| 20:11-15 | 20:11-15 | 20:11-15 | 20:11-15 | 20:11-12 |
| | | | | 20:13-15 |

## DUBBIFFAMA RAMADDII SADII fuula (fuula V kutaa seensaa irratti ilaali)

### Yaada barreessaa jalqabaa sadarkaa keeyata keeyataan hordofuu

Kun qajeelfama hiika qayyabannaa yeroo ta'uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi'uutu nurra jira. Hitkoonni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kana deebiiftee hiIka irratti jechama biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaadawwan ijoo irratti (marsaa ramaddii dubbisaa lakk.3 fuula viii). Kan kee yaada ijoo ramaddiwwan gubatti kan tarreefaman hiiktoota shanan wajjin wal bira qabi. Guutummaan mul'inichaa keeyata keessatti argamuu yoo baatees yaadni barreesitoota jalqabaa kan ta'ee wanti barbaachiisaan hiikichaa irratti argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa of keessatti qabateera.

1) Keeyata jalqabaa
2) Keeyata lammaffaa
3) Keeyata sadaffaa
4) K.K.F

**QABIYYEE AKKA HAALA BARREEFAMICHAATTI MUL. 20:1-15**

A. Boqonnaa 20 haala barumsa hafuuraatiin boqonnaa 19 wajjin wal qabsiisutu irra jiraata (deebi'ee dhufuu) fi 21-22 (mootummaa bara baraa). Gaaffii hiikaa kan ta'uu, deebi'ee dhufuun isaa mo'uu waggaa kumaa Kristoos kan dursuu yoo ta'ee, achi irraas bifa dursa bar-kumee fi fillatamaa dha (kunis akka himtee seenaatti kan hiikamu yoo ta'e). ha ta'u malee boqonnaa 20-22 ramaddii haaraa yoo ta'an, isaanis 17-19 kan irra deebi'an yoo ta'an akkam ta'inna (W. Hendiriksen, warra mo'an kan caalee)? Jijjiramni kun wal fakkeenya qaba, mallattoowwaan, malakatawwan, fi xoofoowwan gidduu kan jiru irra deddeebii wajjin, egaa yaada gosa tokko yookaan bar-kumee haala fooyya'aadhaan wal sima.

B. Boqonnaan 20 yaad-rimee barumsa hafuuraa hedduu wal barsiisa, kutaa kitaaba qulqulluu biro keessatti kan hin mul'anne:
   1) Du'aa ka'uu abbaa sadarkaa lamaa
   2) Yeroof kan murtaa'ee mootii ta'uu kitimamtootaa
   3) Kan Masihichaa biyya lafa irraa mootii ta'uu waggaa kumaaf
   4) Gar-tokkee mooti ta'uu Msihichaa (mucaan namaa ammas deebi'ee sababa fincila seexanaatiif, mootii ta'uu Kristoos waggaa 1000 booda )
   5) Warra hin amannee wajjin lola biraa, firdii teessoo adii guddaa booda

C. Hiika irratti sababi rakkoon jiraatuuf
   1) Boqonnaa 20 irratti garagarummaa barnoota hafuuraa
   2) Bakki furtuu heedduun hiiki isaa ifaa kan hin taane
      a. Hidhamuu seexanaa, lakk.2
      b. Lakkoofsa gareewwanii, lakk. 4 irratti
      c. Du'aa ka'uun jalqabaa eenyufaa dabalata
      d. Kristoosii wajjin kan mo'an eenyuu, eessa, akkamitti dhaa, lakk. 6
      e. Lakk.8 irratti kan jiran "sabootni" eessaa dhufan
      f. "Magaalaa jalatamtuu" hiikaa fi bakka, lakk. 9
      g. Lakk. 11-15 irratti kan jiru ffirdii teessoo adii keessatti kan hamataman isaan kamii dha, innis Mat. 25:31 wajjin akkamitti walitti dhufa
   3) Waligaltee dhabuu guddaa jira, gaarummaaf, tarreesitoota amantootaa gidduu, yaad-rimeewwan bar-kumee wal fakkaataa illee yoo ta'an. Kan yaad-rimee bar-kumee kan qaamaa, kan hin jijjiramne (akkuma jirutti) deebi'ee dhufuu dhugaa irratti dhiibbaa uumuun irra hin jiraatu, kunis kakuu haaraatti irra deddeebiin kan eeru.
   4) Luqisiin gaarii tokko tokkoo namootan amanu keessaa
      a. Tarreefama irratti, Mul'ata, Jorji E. Laad akka jedhutti "Ameerikaatti wangeelwummaan doktrinii bar-kumee irratti ragaan kan hin degaramne cimsa teesiseera….. wanti tokko ifa, inni (Yesus) waa'ee mootummaa biyya lafaa kan yeroofi barsiisuudhaaf hin dirqamu, seera bara baraa irraa bara dhufu duratti."
      b. Fakki jecha kakuu haaraa. A. T. Robert Son akka jedhuutti, "kitaabni ajaa'ibsiisaan kun kan inni barreefamee qulqulloota jajjabeesuuf, yeroo rakkina guddaatti, gidduu isaanitti wali galtee dhabuu uumuu osoo hin taanee" (fuula 457-458).
      c. Hoolichi ulfina keessa, Rey Samersi akka jedhuutti " boqonnaan kun gadi of qabuu hafuuraa guddaa dhi'eessuu barbaada, wantoota rakkisaa ta'an sanaaf beekamtii kennuudhaan, labsii anatu beeka jechuu dhabamsiisuudhaan, fi hiikoota biraadhaaf kabaja kennuudhaan. Boqonnaan kun Kristaanootaaf dirree wal falmii hadhaawaa ta'eera, bara dheeraadhaaf" (fuula 202).
      d. Yaada bal'aa isaa irratti kitaabni mul'ataa, yaada bal'aa addunyaaleessaa haaraa wal duraa duubaan, Robert H. Mohonsi akka jedhuutti, "boqonnaa 20 fi lakkoofsi kudhan jalqabaa barreesitoota baay'eedhaan xiyyaafannoo isaan itti kennaman qabachuudhaan faraduun, inni tokkoo kan inni faraduu qeenxeedhaan baay'ee kan fayyaduu qooduu

kitaaba mul’ataa godheeti. Tuqaa kana irratti haalli hiiktota baay’ee ilaalcha murtaa’aa bar-kumee irratti sirri akka ta’e dhi’eessuudha. Dubbifamni fayyadu kun faayidaa isaa ganuu dhiisuun isaa, qabatama hunde-qabeessa kana irraa osoo ol hin qabin, deebi’ee dhufuu Kristoos, firdii dhumaa irraa fi hundumaa irraa hamooni dhabamsiifamuu isaanii, akkasumas waa’ee isa ajaa’ibsiisaa ta’ee ejjennoo bara baraa irraa. Dubbifamni bar-kumee of-eegannoo dubbifamaa (lakk. 1-10) kan argisiisu tarii bifa murtaa’een waa’ee du’aa ka’uu kitimamtootaa qofaa dha, akkasumas innis adda kan ta’ee kan argisiisu hin qabanne, Kristoosi wajjin kan mo’an lafa irratti ta’uu isaatiin yookaan deebi’ee dhufuu isaa waa’ee hordofuu isaa” (fuula 351).

D. Mooti ta’uun bar-kumee wal fakkaataa miti, akka
   1) Bara Masihichaa, yookaan
   2) Mootummaa Waaqayyoo (lamanuu lakk. 1 fi lakk. 2 kan bara baraati, Dan. 7:14, 27; Isa. 9:7, Luq. 1:33, 2Phex. 1:11, Mul. 11:15, 22:5)
E. Kan waggaa 1000 yaad-rimeen gammachuu Kristoosi wajjin mootii ta’uu kan inni dhufee seenaa waggaa kumaa irraati, fi achi irraas kan sanbataa kan boqonnaa badhaadhummaa, Um. 1. Kun kan fakkaatuu (kan seenaa dursa bar-kumee) kutaan barreefama kristaanoota duraan turani akka turee dha (erga Barnaabas 15 fi 2Heenook 33).
F. Boqonnaan kun ibsa yaada hafuuraan liqimfamuu akka ta’ee fi kaayyoo hafuuraa akka qabu ifaa dha. Ta’us, kaayyoon sun maalii dhaa: (1)Tibbaawwan bara dhumaa tarreefama isaa argisiisuuf yookaan (2) Baroota gidduutti wantoota ta’u lola hafuuraa qabiyyee hafuuraa kennuu dhaa?

   Hiiktootni of eegachuutu isaan irra jiraataa, kan Yohaannis osoo hin taanee ajandaa mataa isaanii dhiibuu irraa. Kan adda ta’ee, ana qofaaf, yookaan ejjennoo ejjennoo barumsa hafuuraa yookaan amanamummaa barsiisaa hiikoota heedduu fi haala gadhee uumeera. Ajandaan Yohaannis/kaayyoo kan ibsuu sharbee isaa irratti filannoo isaatii fi kakuu haaraadhaan osoo hin taanee fakkeennoo kakuu moofaatiif akkaataa filannoo isaatii ! Barreefamni Apokilaptikii akkuma jirutti fudhachuun mallattoo aadaatti kan rincicanii miti, garuu miira qajeelfama dogogoraa qabuu dha malee! Hiiktootni ammayyaa fakeenya Yohaannis tokko tokkoo maaliif kan hin jijjiramne (akkuma jirutti) kan biraa immoo fakkiduudhaan godhuu? Hundumtuu fakkiduudhaan (kan jechuun sirri miti jechuu miti)! Kan Yohaannis dh’eessiin bara dhumaa dursuudhaan caaseefama kakuu moofaati. Inni ta’I jedhee kan Yesusii fi Phaawuloos barnoota bara raawwii xiyyaafannoo kennuu dhabuu fakkaata. Barreesitootni kitaaba qulqulluu, lammanuutiin kakuu moofaatinis ta’ee kakuu haaraatinis akkaatee ilaalcha bara dhumaatiin hin ibsine. Isaan dhugumatti dhugaa dhi’eessaniiru, ha ta’u malee, kan loojiki, duraa booda isaa kan eegatee, karaa akkaatee hin taaneen! Dhugaa giddu galeessa mul’atichaa ha jabeesinu waa’ee tarreefama anatu beekaa osoo hin taane.

G. Boqonnaan kun ulfina barnoota hafuura akka qabatu godhameera, bifa hamamtaa ta’een bakka jirutti, caasefam qulqulluu guutuu irraa fi hala ergaatiin! Kun cimsa yaada isa guddaa barreesichaa miti! Bar-kumeen kan bara baraa mootii ta’uu Waaqayyoo dursa. Mul’ata qofa bittaa yerootii fi kan Masihii kan ta’e kana eeruudhaaf kan fillate. Innis sharbee ta’u dhugaa wali galteedhaan kan dhi’eessu qooqa fakkeenyaatiin. Dhuunfaa kooti, kan na ajaa’ibsiisuu bar-kumeetti mooti ta’uu miti (haala barreefama kakuu moofaatiin(, garuu
   1) Firdii abbaa sadarkaa lamaa
   2) Qulqulloonni du’aa ka’anii fi namootni biroon wal makuu isaanii, yoomeessa lafaatiin
   3) Mootii ta’uu yeroo dheeraa Masihichaa booda jiraachuu hameenyaa

      Qaaman mootii ta’uun Kristoos bu’aa kan hin qabne ta’aa, mucaa namaa gara tolaatti fiduudhaaf, seexanni illee bakka hin jireetti? Yookaan kun karaa fakkeenyaatii sadarkaa xuraawummaa ilma namaa ifatti argisiisuudhaaf?

H. Waaqayyo hunduma keenya nuhaa gargaaru 22:18-19 ifa! Hundumti keenyaa cubbuu uumama keenyaatiin, bara keenyatti, shaakala keenyaan, fi barsiisoota keenyan miidhamneera!

**GARGAARAA BARREESSAA**

a. Aleen Johnsan, "mula'ata," tarreesitootni yaada bal'aa Kitaaba qulqulluu, addessa 12
b. Joorji laad, Mul'ata Yohaannis
c. Liyoon Mooris, "Mul'ata Yohaannis qulqulluu," Tindaalee yaada bal'aa kakuu haaraa, addeessa 20
d. Robeert Mo'unsi, "Mul'ata Yohaannis" yaada bal'aa haaraa addunyaallessaa
e. Reyi Samersi, hoolichaaf hin ta'a
f. Kirig Bileesingi fi Daraal Book, itti fufeenya kan qabu kan birmadummaa
g. D. Bient Sandi, fiixee maarashaa fi meeshaa ittiin qeexa'an

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

**MUL'ATA : 20:1-3**

**1Kana boodees ergamaan banaa iddoo isa lafa jalaa sana, funcaa guddaas of harkaa qabuu tokko, waaqa keessaa gadi bu'uu isaa nan arge. 2Inni bineensa akka jawwee, bofa bara durii daabilos, seexana sana qabee, waggaa kuma tokkoof hin hidhee 3Waggaan kumni sun amma raawwatamutti akka inni deebi'ee saba biyya lafaa hin wal'alchifneeti iddoo isa lafa jalaa sanatti darbate, balbala itti cufee mallattoo itti godhe isa boodee garuu yeroo muraasaaf gad dhiifamuun ni ta'aaf.**

**20:1 "Banaa iddoo isa lafa jalaa harka isaatti kan qabatee samii irraa osoo bu'uun arge"** kun 9:1-2, 11 irratti kan jiru banaa iddoo isa lafa jalaa kan qabu ergama wajjin wal fakkaata. Seexanni, maqaan isaa kan hin eeramne ergamaa hidhamuun isaa ajaa'ibsiisaa dha.

▣ **"Banaa iddoo isa lafa jalaa"** mul'ata irratti lama "bantuuwwan" argineera. Yesus banaa du'aatii fi si'ool qaba 1:18 irratti maqaan isaa kan hin eeramne ergamaa banaa iddoo lafa jalaa qaba, 9:1 irratti. "Banaa" jechi jedhuu fakkiiduu dha, "aboodhaaf."

"Iddoo lafa jalaa" jechi jedhu jecha Girikii yeroo ta'uu, gadi fagoodhaaf, maxantuu alta'aadhaan (booa gadi fagoo), 9:1 irratti ibsameera. Innis bakka hidhaa hafuura hamaati. Ta'us, kun hiika raawwataa ta'e ta'uu hin danda'u, Phaawuloos akkaataan sababa fayyadama isaa Roome 10:7 irra. Innis "Inxorxos irraa" wajjin wal fakkaataa ta'a, akkuma iddoo hidhaa hafuura hamaa hundumaa (Luq. 8:31, Yihudaa lakk. 6, 2Phex. 2:4). Barsisootni Yihudummaa jaarraa 2ffaa fi 3ffaa sa kan hubatan akka kutaa yakka iddoo si'oolitti.

**20:2 "Boficha isa durii jawwicha innis daabiloosi fi seexana"** isaan arfan maqaan isaa hamootaa 12:9 irratti kan ibsaman, eenyu akka hidhamuu fi eenyu booda irratti gara galaana abbidaatti akka gatamu cimsa itti laachuudhaan ifatti kan argisiisanii dha (lakk. 10). Kunis jalqaba sana (Um.3) fi dhuma isaa (Mul. 20-22) wal qabsiisa.

"Jawwee" jechi jedhuu tarii

1. "bofichaa" wajjin wal cina ta'a. kakuu moofaatti jechi Ibirootaa tannin argisiisuu kan danda'uu
   a. Bofa lafaa (Bau. 7:9, 10, 12;Kes. 32:33; akkasumas, Fru. 91:13)
   b. Bofa galaanaa (Uma. 1:21; Faru 148:7)
2. Himtee irraa bineensi galaanaa, leewotaanii wajjin wal cina jiru, (Iyo. 7:12; Faru. 74:13-14; Isa. 27:1), innis uumama Waaqayyo tokko ibsuudhaaf faayidaa irra kan oole (Iyo. 41; Faru. 104:24-26), yookaan akka fakkeenya isa hamaatti (akka rahaabitti Isa. 51:9)

3. Geggeesitoota diinoota Israa'elootaatiif fakkeenyummaaf faayidaa irra kan oole
    a. Gibxi (Faru.87:4, rahaabi; Hiz. 29:3)
    b. Baabiloon (Erm. 51:34)
4. Himtee Mesopotaamiyaatiif faayiidaa irra kan oolee, akka bineensa jeeqaatti (kan mul'ata 12 seensa lakk.B. fi keessumatti 12:3)

Hiiki kingi Jamsi lammansaa tannin fi tannim hiika wangoo yookaan yeeyyii (Iyo. 30:29; Faru. 44:19; Isa. 13:22; 34:13, 35:7;43:20; Erm. 9:11;10:11; 49:33; 51:37; Hiz. 29:3 fi Mik. 1:8) akka "jaawwewanii" ha ta'u malee isaan jecha wali wajjin deeman miti. Yeeyyiwwan kaan tan kan lakkoofsa baay'eetti.

▣ **"Waggaa kuma hidhe"** namoonni yeroo baay'ee kan isaanitti dhaga'amuu sababa fillannoo Heewanii fi Addaamiin yakka wali gala ta'uu isaa haqa-qabeessa akka hin taanetti. Kun kan isa hamaatii fi dhabamsiiafamu qormaatichaa haala barumsa hafuuraatiin Ganata Hedeeni wajjin yoomessa wal fakkaataa ta'e kenna. Mucaan namaa seexana irraa kan isatti dhufu qormaataa qofa miti kan inni irraa boqotu argama Masihii ulfina qabeessatti gammada, yeroo dheeraadhaaf. Wanti nama gaddisiisuu mucaan namaa ammas Waaqayyoodhaan mooti ta'uu Kristoos irratti finciluu isaati (20:7-9)!

Yaad-rimeen kakuu moofaa kan ta'e bara Yihudootaa lamaan kan ta'e isa hamaa fi isa gaarii gidduutti walitti bu'iinsa ta'uu karaa inni ittiin argisiisu (murtaa'aa kan ta'ee kan hin jijjiramne). Yihudoonni walitti bu'iinsa wali galaa kanaa kan isaan ilaalan bara dhumaatti kan ta'u waranni akka salphatuu dha (Faru.2). Yohaannis fakkeenya kana kan inni fayyadamee bara isaatti kan turani fi baroota hundumaa keessa kan jiraatan kristaanoota ari'ataman gargaaruuf. Kan kana fakkaataan fakkeenya kitaaba ifaa ta'ee, mul'ata baay'ee adda ta'ee fi kan akka mootii ta'uu waggaa 1000 kan irra hin deebi'amiin, akkamittin namni tokko isa kana akkuma jirutti hiikuudhaaf barbaadaa? Deebiin isaa kan inni irra bu'uu tilmaama dursaa hiiktootaati, seera hiikaatiin utuu hin ta'in. Inni kitaaba qulqulluu dhimma amanuu miti, inni ta'uu kan qabuu, hiika og-barruu Apokilaptikii dhaabbataa miti. Amantootni waa'ee bara dhumaa odeefannoo dabalataa barbaaduun isaanii kan isaan fudhatu (1) Kitaaba kanaa gara dhi'eessii duraa fi aanteetti jijjiruudha, deebi'ee dhufuu isaatii fi (2)Tarreefamni isaa seenaa mataa isaa, aadaa fi hiika, ejjennoo barumsa hafuuraati wajjin akka wali galuu fi dirqamsiisu. Kunis akkuma jirutti yoo fudhatee yeroo kana qofa kan jiraatanii fi kristaanoota jiran qofa Kristoosi wajjin mo'u (lakk. 4-5)!

**20:3 "Gara boola gadi fagootti gate, isa irratti cufee chaappaa itti godhe,"** seexanatti kan hin beekamnee hidhamuu ergamaa wajjin kan wal qabatee gochama shantu jira: (1) "kan qabe", (2) "ni hidhe", (4) "itii cufe": fi (5) Chaappaa itti godhe." Isaan kun hundumtuu gocha ammaa kan argisiisanii dha. Kun kan inni argisiisu dhiibbaan seexanaa guutuu guutuutti dhabamsiifamuu isaati. Kunis Isa. 24:22 Kn waabeefatuu dha.

▣ **"Hormootas gara fuula duraatti akka hin dogogorsine"** dogogorsuun yeroo hundumaa kan isa hamaatii fi gocha bakka bu'oota isaatitti (12:9 13:11-14, 16:14; 19:19; 20:8). Yeroon isaa gabaabaa ta'uu isaatiin beekuu isaa irraa kan ka'ee (12:12), uumama Waaqayyoodhaan jaallataman, dhiirootaa fi dubartoota, amma danda'e isa harkaa butee gara finciluu fi amanuu diduutti fudhachuutti yaala. Innis immoo waaqeffannaa barbaada, yeroo qormaataa Yesuusitti akkuma mul'ate, Mat. 4:9 fi 13:4 irratti.

Baay'ee gaaffii inni guddaan, "hormoonni" eenyuun akka argisiisuudhaa? Hormootni hin amannee duraan dursanii badaniiru 17:2; 18:3 fi 19:18-21. Warri tokko tokkoo kan isaan jedhan inni kan inni argisiisuu hormoota wal fakkaataa dha, garuu haftee isaaniiti, loltuu isaanii mo'ame osoo hin taane. Kan biroon immoo kan isaan jedhan isaan hormoota adda addaati Waaqayyoon mormuudhaan, wali galtee Kristoosiin mormuu irratti kan hin hirmaanne. "Kan hormootaa" fakkeennoon isaan baay'ee rakkisaa dha (2:26 fi 10:11 irratti yaadannoo jiru ilaali) ammas immoo Mul. 22:2 irratti sababa argamuu isaaniitiin, seexanaa fi warra hin amanne hundumaa irraa baduu isaanii booda illee.

Ta'uu kan inni qabu 19:11-21 (jechuun, boqonnaa 17-19) irra deebi'ameera, 20:1-10 irratti (jechuun, boqonnaa 20-22). Kunis gaaffii isaa salphisuu danda'a, kan "hormoota" kan wali galaatii fi firdii dhumaa booda, boqonnaa 19 irratti "hormoota" yeroo hundumaa kan inni argisiisu, cubamaa, saba waaqa in beeknee dha (2:26 fi 10:11 irratti yaadannoo jiruu fi kan Deev Maatiwusaan galmee isaa ilaale, "bar-kumee lammata sakkata'uuf 20:1-6 irratti: qindeessuu fi guduunfuu, " JETS, jildii 44 lakk. 2 Waxabajjii 2001, fuula 237-251). Argamuun seexanaa 20:1-10 irratti Luq. 10:17-20 wajjin wal qixa (seexanni samii irraa kufe), Mat. 12:26-29 (mootummaan seexannaa ni mo'aame, Kristoosiin hafuuraa irraa hojii qulqullaa'u), Qol. 2:10, 15 (bitootaa fi abbooti taayitaa hidhannoo hiikachiise). Mul.20:1-10 mo'icha Kristoos kan inni argisiise, dhufaatti jalqabaa isaatiin, bu'aan isaas amma deebi'ee dhufuu isaatti jiraata, xiqqoo dursee (bar-kumee).

Kun guduunfaa dhugaa yoo ta'ee egaa Yohaannis akkamitti dhiibbaa akka isa irraan ga'ee argisiisa, Hiz. 38-39 (fi Faru. 2), qeenxeedhaan yaada lola bara dumaa. Yohaannis kan Eshiyaa xiqqoo saba Waaqa hin qabnee kan wal gitu fudhatee kan wali galaa godhe, gara lola bara dhumaatti saba Waaqayyootii fi dhiibbaa seexanaatii fi amanuu dhabuun kan qabaman gidduuti.

▣ **"Waggaa kumni hama dhumuutti, sana boodee yeroo muraasaaf hiikamuun ni ta'aaf."** Marii hedduun geggeefameera, seexanni maaliif yeroo gabaabaadhaaf akka hiikamu "irra jiraatu" (dei). Warri tokko tokkoo akkaataa isaan itti ilaalan, Waaqayyo haqa-qabeessummaa isaa argisiisuudhaaf, namoota finciltootaatan yakkamuu isaa, kan biroon akkaataa isaan itti ilaalan akka carraa firoomu dabalataatti, 9:20-21;14:6-7;16:9, 11 irratti akka jirutti.

Ammas immoo ta'uu kan qabuu hidhamuun seexanaa ta'uu kan qabuu fakkeenya mo'amuu dhumaa isa hamaati, fakkeenoowwan Apokilaaptiki Yihudootaa 1Heenok. 4:10:4-6, 11-13 fayyadamuudhaan Azaazeel (seexana lafa gammoojjii, Lew. 16:8, 10, 26) ergamaadhaan hidhameera, namoota akka hin dogogorsineef. Hidhichii ergamaa hamaa sana karaa ittiin qabuu dha, amma guyyaa firdiitti Isa. 24:21-22 2Phex. 2:4 fi Yihu. Lakk. 6.

Akkasumas immoo ta'uu kan inni danda'uu hiikamuun isaa bara dhumaa fidaa, al tokkoo fi yeroo dhumaatiif Waaqayyoodhaaf, Masihii, hafuuraa fi duuka buutoota isaaniitii fi seexanaan, bineensicha galaanaan, bineensicha lafa fi duuka buutota isaani giddutti wal'aansoon ni geggeefama. Uumamni isa hamaa irraa bilisa baha. Seenaan oobdi lolaa ta'eera, seenaan wal-dorgomii raawwii taatee ta'a. yaadi kakuu moofaa Faru. 2 fi Hiz. 38-39ti. Innis kan bara dhumaa firdii wal fakkaataa 19:19-21 irratti mul'ata. Kun dhugaa yoo ta'e egaa boqonnaan 17-19 fi 20 wal cina, akkasumas yeroo wal fakkaataa qabatu, dhufaati Kristoos isa jalqabaa hanga isa lammaffaati.

## MUL'ATA :20:4-6

**4Kana boodees teessootaa fi warra firdii kennuun isaaniif kennamee teessoota sana irra ta'aanii nan arge; akkasumas immoo lubbuu warra isa Yesus dhugaa ba'eetti, dubbii Waaqayyootis jabaachuu isaaniitiif mormatti kukutamanii, warra bineensichaaf, fakkeenya isaaf hin sagadiin, gubaa isaas adda isaanii fi harka isaaniiti hin fudhatiin nan arge. Isaan deebi'ani jiraatan, waggaa kuma tokkoof Kristoosii wajjin ni mo'an. 5Kun du'aa ka'aa ka'uu isa duraati; warra du'an keessaa isaan kana malee, warri hafan, waggaan kumni sun amma raawwatamuutti deebi'anii hin jiraanne. 6NAmni du'aa ka'uu isa duraa kana keessaa qooda qabu attam gammadaa! Attamis Waaqayyoof kan qulqullaa'eedhaa! Duuni lammaffaan warra akkasi irratti humna hin qabu; isaanoo luboota Waaqayyoo, luboota Kristoos ta'anii, isaa wajjin waggaa kuma tokkoof mo'uuf jiru.**

**20:4 “Teessoowwanis nan arge”** kun Dan. 7:9 kan waabeefatuu dha. Teessoowwan heedduun Mul. Irratti eerameera (1)Teessoo Waaqayyoo (5:1, 1, 17; 6:16; 7:10, 15; 19:4; 21:5); (2)Teessoo seexanaa (2:13); fi (3)teessoo bineensichaa (13:2; 16:10). Innis fakkeenya humnaa fi abooti.

▣ **“Isa irras kan ta’aani”** kun Dan. 7:22 kan eeruu dha. Gaaffiisaa, “isaan” kan isaan eeraan eenyuudhaa? Dan. Irratti inni loltuu ergamootaa yookaan qulqulloota ta’uu danda’u. Marii bal’aan tarreesitoota gidduutti adeemsifameera, garee ammamiitu lakkoofsa kana keessatti akka eeraman.

1. Warri tokko tokkoo garee sadii ilaalu (teessoo irra kan jiran, kristaanoota kitimamtoota, fi kiristaanoota kan biro, bineensichaaf kan hin sagane)
2. Warri tokko tokko garee lama ilaaluu
3. Warri tokko tokkoo garee tokko ilaalu

Garee tokko yoo ta’ee kan inni argisiisuu kristaanoota kitimamtoota, ta’us, kan biraa jechi qulqulluu wal cinaa hin jiru, mootii ta’uu kitimamtootaa murteessuuf. Jechi kitaaba qulqulluu kan ta’uuf mootii qulqulloota hundumaati (Mul. 3:21; 5:10; 22:5; Mat. 19:28; Luq. 22:29-30; 2Xim. 2:12). Mata duree addaa 5:10 irratti ilaali.

Kan biroon ilaalcha isaanii kan isaan hundeessan garee lama irratti, gaalee xiqqoon, lakk. 4 kutaa boodaa irratti kan argamuu, “bineensichaafis kan hin sagadiin.” Isaan kana akkaataa isaan itti ilaalan kan akka warra lamaanii  garee kristaanootaa, du’a uumamaa amantootni du’an hundumtuu, garuu bineensichaaf hin sgannu kan jedhan. Boqonnaa 19 irratti kan jiru ilaalcha deebi’ee dhufuu isaatiif 20:11 irratti kan argamuu firdii teessoo adii guddaa, kun baay’ee hiika fooyya’aa ta’a. hiiki kun dhugaa yoo ta’ee, egaa lakk. 11 irratti kan jiru firdiin teessoo adii guddaa  kan eeruu warra badan qofa, akkasumas Mat. 25:31 wajjin kallattiidhaan wal cina miti.

▣

**NASB** **“abbaa firdii ta’uunis ni kennameef”**
**NKJV** **“abbaa firdii ta’uu kan isaaniif godhe”**
**NRSV** **“akka firdii laataan aboon kennameef”**
**TEV** **“aboon abbaa firdii ta’uu kennameef”**
**NJB** **“abbaa firdii ta’uun akka kennaniif aboon isaaniif kenname”**

Gaaleen Girikii argisiisuu kan danda’uu (1)Kristoosi wajjin mootii ta’uu isaanii (2:26-27; 2Qor. 6:2, mata duree addaa 5:10 irratti ilaali) yookaan (2) firdii haqaa isaanii fudhachuu (6:9-11, Dan. 7:22).

▣ **“Lubbuu warra namoota mormi isaanii irraa kutame”**  warri tokko tokkoo kana akkaataa isaan itti hiikan foonitti kan gargar ba’ee lubbuu dha (6:9). “mataan isaanii kan kutamee” jechi jedhuu kan inni argisiisuu qottoo abbaa qara lamaati, adaba du’aa raawwachuudhaaf faayidaa irra ni oola ture bittaa Room keessatti (Rom. 13:4 fi Joosefas hambaalee Yihudootaa durii 14:9:4). Kun kan inni argisiisuu kitimamtoota kristaanootaati.

▣ **“Bineensichaaf kan hin sagadiin”** gaaleen oli kitimamtoota kan eeruu yoo ta’ee, egaa gaaleen kun kan inni argisiisuu kan biro dha, yeroo kanaa fi sa’a kanatti kan du’an (13:15). Egaa kun dhufaati lammaffaa Kristoos gidduutti suuraa jiru yoo ta’ee, egaa inni kan inni argisiisuu amantoota hundumaati. Kana yeroo dhumaatiif yoo ta’e, egaa dhaloota sana qofaadha.

▣ **“Mallattoo isaas kan hin fudhatiin”**  13:16-17 irratti yaadannoo isaa ilaali. Mallattoon isaa, “bineensichaaf yookaan mallattoo isaatiif kan hin sagadiin” kan jedhuuf wal cina.

▣ **“Jireenyatti jiraatan”**  jechi kun (zÔē) yeroo hundumaa kan inni eeruu du’aa ka’uu qaama fooniiti (Mat. 9:18, Yoh. 4:25; HoE. 1:3, 9-11; Rom. 14:9; Mul. 1:18; 2:8; 13:14). Hiiktoonni fayyadama jecha isaa isa duraa hiikuu hin danda’an, lakk. 4 irratti, akka du’aa ka’uu hafuuraatii fi akkaataan fayyadama

isa lammaffaa lakk. 5 irratti akka du'aa ka'uu fooniitti. Kristoosi wajji kan mootii ta'an kitimamtootni qaama du'aa ka'uuti kan isaan qaban yookaas qaama foonii, innis kan tortoruu? Isaan qaama du'aa ka'uu yoo qabaatani "hormootisoo" akkam ta'uu?

▣ **"Kristoosi wajjin waggaa kuma mo'an"** yaad-rimeen mootii ta'uu Yesus mul. 12:5; 19:5 irratti Kan eerame, kunis Faru. 2:8-9 irratti kan eerame fakkaata, Kristoosi wajjin kan mo'an qulqulluunni Mat. 19:28; Luq. 22:28-30; 2Xim. 2:12;Mul. 3:21; 5:10, 20:4, 6 fi 22:5 irratti eerameera. Mooti ta'uun isaa kan bar-kumee kan bara baraa Dan. 7:14, 18, 27 fi Mul. 22:5)? Mootii ta'uun isaa kan lafaati (5:10) akka qabiyyee filisxeemiitii yookaan akka qabiyyee biyya lafaati? Mata duree addaa mootummaa Waaqayyooti bituu 5:10 irratti ilaali. Ilaalchi bar-kumee addaa addaa yaadannoo 5 irratti ilaali.

Waggaan 1000 fakkeennoo umuri waldaa kristaanaa yoo ta'e (foon uffachuu irraa ka'ee hanga deebi'ee dhufuu isaatti, achi irraas kun waggaan 1000 (10x10x10_____ kan Ibirootaa kan caaluu bifa wal dorgomsiisuun lakkoofsa guutuu ta'en) kan bara barummaa isaa argisiisa.

Ta'us, argisiisi kun lakk. 5-6 wajjin gaarii godhee wal hin simatu. Kunis fakkeenya gaarii dha, galumsi hiika isa tokkoo barreefama tokko tokkoo fi deebii yeroo laatu, garuu hundumaaf ta;ee dhiisuu isaa. Isaan kun tooftaa hiikoota garaagaraa gabachaa kan dhufan hiikonni adda addaa barreefama adda addaatiif cimsa waan laataniifii dha, akkasumas barreefama guutuu kakuu haaraa kan filataman murtaa'uun " furtuu" haala barreefamichaatiin waan dubbifamaniif. Asitti wal jijjirama qaba, hiiki isaa ifaa kan hin taane, dhoksaawwan qaba. Rakkoo isaa kan of keessa hin gal'chineef anatu beeka jechuu wajjin waliin hin maknu!

**20:5** NRSV fi TEV hiikawwan lakk. 5 hamattuu keessa galchuu. Asitti du'aa ka'uun inni jalqabaa kan inni hamatuu eenyu ;firdiineali gala keessa akka galu murteessaa, 2:11 irratti kan jiru. As filannoowwan jiru, kan hafan warra du'an."

1. Kan badan (lakk.6 , Dan. 12:2)
2. Duraan .dursanii kan yeroo darbe turan kristaanootni (lakk. 6, 2Xim. 2:12)
3. Kristaanonni bara kanaa, garuu du'a uumamaa kan du'an (/lakk. 4C)

▣ **"Du'a ka'uu jalqabaa"** kakuu haaraa hundumaati du'aa ka'uun warra du'anii cimsi itti laatameera (Yoh. 5:28-29; Luq. 14:14; HoE. 24:251Qor. 15:52, Fill, 3:3; 1Tas, 4:16 2Tas.1:7-10). Ta'us kitaaba qulqulluu keessatti wal cina tokko iyyuu hin qabu, waa'ee laman du'aa amantootaa adda addaa waa'ee du'aa ka'uu dacha Dan. 12:2 irratti waabii jiru irraa kan hafee (kan badanii fi kan fayya a), ammam illee Joorji Laad Yoha. 5:29 fi 1Qor, 15:24-25 akka wal cina yaadamuutti yoo ilaales. Seerri barnoota hafuuraa hundumtuu, kan waggaa kumaa mootii ta'uun akkuma jirutti akka ta'u kan amanan illee yoo ta'an, du'aa ka'un kanaan garagar ba'ee rakkoon hiika guggaa kana qaba. Kristaanoonni butaman (1Tas. 4:13-18, Mul. 4:11 yookaan 11:12) mootii ta'uu waggaa kumaa keessatti ni hamatamuu, amantootni kakuu moofaa mootii ta'uu waggaa kumaa keessatti ni hammatamuu? Kun kitimamtoota kakuu moofaa ni dabalata, yeroo rakkina bara dhumaatti kan kitimamanii?

▣ **"Kan Waaqayyootiif kan Kristoos luboota ta'u"** kun Bau. 19:5-6 kan eeruu dha. Jechi kun, Israa'eeliin akka meeshaa Waaqayyootti kan argisiisu, mul'achuu hormootaa fi furamuu, kakuu haaraatti mbal'aa ta'eera, hundumaa waldaa kristaanaa keessatti galchuudhaaf (1Phex. 2:5, 9 fi Mul. 1:6; 5:10). Ergaa Filidilfiyaatiin, waabiin tokkoo qulqullootaaf godhameera, mana qulqullummaa wajjin kan wal qabatee (3:12). Fakkiduun isaa jijjirameera, garboota Waaqayyoo irraa, addunyaan kun kan ilaalatee, Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya dhi'aate haga godhuuti.

**20:6** lakkoofsi kun rakkoo hikaa irratti kan dabalatuu dha. Amanaan kam iyyuu du'a lammaffaadhaaf maaliif bitamaa, innis fakkidu gahaanabiif kan ta'e (lakk. 6)? Kitimamtoota qofa luboota Waaqayyoo kan ta'an yookaan qulqulloota hundumaa (1:6; 5:10;2Phex. 2:5, 9)? Kitimamtoota jaarraa tokkoofaadhaa qofaadhaa kan mo'an yookiis kitimamtootni kakuu moofaa keessatti ni hamatamu, kitimamtootni kan

baroota adda addaa keessatti hin galuu yookaas amanamoota ta'aani kan hafan kiristaanootni hundumtuu keessatti ni hamatamuu?

**MUL'ATA :6:7-1-**

**7Waggaan kumni sun yeroo raawwatamuu, seexanni iddoo itti hidhame turee gadi dhiifama. Inni saba golee lafaa afran keessa jiran gogiin, maagoginis, gowoomsuudhaaf, lolaa fi walitti isaan qabuudhaafis ni ba'a; lakkoofsi isaanis akka ciracha galaanaati, 9Isaan kun lafa bal'aatti ba'anii, buufata warra Waaqayyoof qulqullaa'nii mandara jaallatamtu sanas ni marsan; garuu ibiddi Waaqa keessaa bu'ee isaan fixe10Seexani isaan gowoomses kuufama ibiddaa fi dhagaa boba'u, lafa bineensichiif raajiin sobdun sun jiranitti gad ni darbatama; isaan baraa amma bara baraatti halkanii fi guyyaa dhiphifamuuf jiru.**

**20:7 "Seexanni hidha isa irraa hiikame"** Hiz. 36-39 duubeessa akka yaada barreefama kanaati. Hizqeel irratti sabni Waaqayyoo nageenyaan boqoteera, yoomessa bara dhummaa irratti (Yihudaa yookaan Yerusaleem yookaan biyyatti abdi), garu ammuma iyyu saba hamoodhaan ni miidhamu (googi maagogo). Barsisoonni Yihudootaa isaan dinoota lamaan kana faayidaa irra kan oolan kan akka Masihii hundumaatii fi diina saba Waaqayyoo ibsuudhaaf. Ka'umsuma isaa irraa, goog nama, biyya maagog irraa, ha ta'u malee boqonnaa kana keessatti jechi isaa namoomsu ta'eera, diina lakkuudhaaf. Yohaannis yeroo hundumaa waabii kakuu moofaa isaa akkasuma immoo ni hojjeta, kan jaaraa tokkoffaa dubbistootaaf akka ta'utti.

**20:8 "Akka isaan dogogorsuuf ba'a"** ajaa'ibsiisaa kan ta'u ilmi namaa waggaa 1000 bittaa Kristoos booda gara finciluutti geggeefamuu danda'uu isaati! Sabni kun "warra hin amanin" yookaan "ka'umsuma irraa warra amanan" dhaa? Argamuu Kristoosii fi mootii ta'uun isaa hawaasa namaa biratti dhiibba jijjirama dhaabataa kan fiduu geesisuu hin dandeenyee?

▣ **"Googi maagoog"** kun sabni hin amannee fincila itti fufiinsa qabu kan eeruu dha. Israa'el gara biyyatti abdiitti erga deebitee booda (Hiz. 37), gocha Waaqayyoo irratti hundaa'uudhaan (Hiz. 36), isheen sichi rakkoowwan qabdi lammatta saba ishee weeraran wajjin ("goog irrratti fi biyya maagoog irratti, Mosahinatti geggeessa isa guddaa Toobelitti" Hiz. 38:2). Kunis kan inni libsuu maqaa geggeesitootaatii fi yookaan maqaa naannooti, kan weerara loltu, Hiz. 38:5-6, 13 loltuu addunyaalessaa godha. Hiz. 38-39 yoomessa bara dhumaa qaba (38:8, 10, 14, 16, 18, 39:11). Boqonnaawwan kun baayinaan kan Yohaannis kan bara raaawwataa kakuu moofaa mada eeruu dha. Wantootni hammaataa adeemu (kan bara haaraa dhukkubiin ciniinsuu) fooyya'aa hanga isaanii ta'uutti (Yerusaaleem ishee haaraa).

Yohaannis barreefama kakuu moofaa fudhatee jaarraa tokkoffaatti akka aadaa Giriko-Roomaati akkamitti immo akka hojjete hubadhu. Goog, maagoog, fi Baabiloon Mesopotaamiyaa irraa yookaan turkii wajjin diinummaa hin qaban, Roomi wajjin malee.

▣ **"Ormoonni biyya lafaa golee afran irra jiran,"** kun ifatti fincilaa fi dogogora wali galabiyya lafaati (7:1). Lakk. "afur" faayidaa fakkennoo qaba, wali gala addunyaa bakka bu'uun.

▣ **"Hanga ciracha galaanaa kan ga'u"** gaaleen kun jalqaba faayidaa irra kan oole sanyi Abirahamiitiif (Uma. 15:5, 22:17, 32:12 fi Ib. 11:12). Kunis fakkeenya biro ta'a, jecha hamaa kan hate, saba Waaqayyoo kan ibsu. Ta'us, jalqabuma irraa gaaleen lakk.9 irraa kan ka'e, kun ibsa kan biraa dha, loltuu baay'ee guddaa ta'e kan ibsu.

**20:9** lakkoofsi kun kan inni argisiisu (akkuma jirutti) lola ta'uudhaa, diree maagedoon irratti, akka loltu bara raawwataa gara Filisxeemitti gara magaalaa Yerusaamitti kan socho'uu? Waabi heedduun jiru, taatee kana irratti, kakuu moofaatti (Faru. 2;Hiz. 38-39; Dan. 9:24-27; Zak. 13-14). Ta'us, Yerusaalem megedoo irraa fageenya maayilsi baay'ee irra jirti.

Mul'ata irratti "magaalaa" yeroo hundumaa (1)hawaasni ilma namaa Waaqayyo irraa adda ba'ee qindaa'ee kan hojjetu, akka Baabiloonitti namoomsu kan taee fi (2)haala seenaatiin Roomin kan argisiisu, yeroo Yohaannisitti (14:8; 16:19, 17:18, 18:2, 10, 16, 18, 19, 21). Ta'us, magaalaan Yerusaalem kan eeramte 11:8 fi as qofatti.

Barreesitootni kakuu haaraa walumaa galatti, fi Yohaanni keessumatti, fakkeennoo kakuu moofaa fudhatee ilma namaa hundumaa wajjin akka deemu kan wali gala godhu. Dhimmi mul'ata irra jiru Yihudoonni faallaa isaatiin ormoota miti, ha ta'u malee amanaan faallaa isaatiin kan hin amannee dha. Kunis lola bara dhumaatiin wal fakkaata kan akka 6:15-16; 11:18, 16:12, 14, 16;19:19 (wal cina).

▣ **"Ibiddis waaqa irraa Waaqayyo biraa buute isaan nyaatte"** kun kan Hiz. 38:22 fi 39:6 eeruu dha. Mo'ichi kan Waaqayyooti!

**20:10 "daabilos isaan dogogore gara abiddaa fi gara gaalana dhagaa boba'uutti gatame"** kun bineensichi fi raachichi sobaan 19:20 irratti kan itti gatamanii dha. Kunis du'aa fi si'ol kan isaan itti gatamanii dha 20:14 irratti akkasumas Kristoositti kan hin amanin hundumtu itti gatamuu 20:15 irratti. Innis gahaanab irraa (si'oo) wajjin wal fakkaataa dha, kanaaf gargar ba'uu bara baraati Waaqayyoodhaa fi Kristoosi wajjin tokkummaa jiru irraa (Mar. 9:43, 48).

▣ **"Baraa amma bara baraatti halkanii fi guyyaa ni dhiphatu."** Kun Mul. 14:10-11 fi 19:5 wajjin baay'ee wal fakkaataa dha. Yaad-rimeen dhaabataati adda ba'u Mat. 25:46 irratti eerameera, jechi wal fakkaataa ta'e (*aiÔnios*), mootummaa Waaqayyoof faayidaa irra kan oole, gahanabiifis ooleera.

Baayinaan firdiin Waaqayyoo kaayyoo furuu qaba, sunis dhugaa kakuu moofatii fi kakuu haaraati. Gahanam kan beekame kaayyoo furuu hin qabu. Inni abdi Waaqayyoo raawwata, haqa fi tola deebisuuf. Gahaanab adda ba'u isa hamaati, Waaqayyo irraa uumama gaarii irraa. Kan akka gahaanab ilma namaatiin sodaachii dha, Waaqayyoodhaaf garuu sana irra hammaata. Uumama isaa guddaaf, namaaf, filannoo akka qabaatu hiyyamuu isaatiin (kalatti bifa Waaqayyoo isa tokko, namaan), Waaqayyo ni beeka dhibbantaan hedduun matayyummaa fi cubbu akka filatan. Gahanab banamaadhaa, madaa dhiigu kan irra jiru dha, laphee Waaqayyooti, innis raawwate kan hin fayyinee gahanaab sababa gahaa kan hin qabne dhoksaa gaddisiisa dha, jaalala Waaqayyoo bara baraa fi haqaan!

## MUL'ATA : 20:11-15

**11Kana boodees teessoo adii guddaa tokkoo fi isa teesicha irra taa'ee nan arge; laftii fi waaqni fuula isaa duraa ni baqatan, iddoon isaaniif hin argamne. Warri du'aniis xinnaa fi guddaan teessicha dura utuu dhaabbatanii nan arge. Macaafonni ni banaman; macaafni biraa; inni warri jireenya argachuuf jiran itti caafaman tokkos in baname; warri du'an immoo akka hoji dur hojjetaniitti; akka isa macaafoota keessatti caafameettis firdii argatan. 13galaani warri du'an isa keessa turan of keessaa baasee ni kenna. Du'ii fi mootummaan warra du'anis, warri du'an isaan harka turan of harkaa baasani ni kennan; namani hunduinuu adduma addaan akka hoji isaatitti firdii ni argate. 14Kana booddees du'ii fi mootummaan warra du'aani kuufama abiddaatti gadi ni darbataman; kuufamni ibiddaa kun du'a isa lammaffaa dha. 15Namni maqaan isaa macaafa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti hin argaminis, kuufama abiddaatti gadi ni darbatama.**

**20:11 "Teessoo adii guddaan arge"** kun kan Dan. 7:9 eeruu dha. Teessoo adii guddaan Mati. 25:31-46 wal cina ta'uu danda'a, ha ta'u malee firdi warra badanii qofaaf yoo ta'e Mati 25 wajjin wal cina ta'uu hin danda'u, sababni isaa achi hoolotni (kan fayyan) fi re'ootni (kan badan) wali wajjin dhi'aachuu isaaniitiif.

▣ **"Isa irras kan taa'ee"** kun Dan. 7:9 kan eeruu dha, kakuu haaraatti Waaqayyo Kristoosiin abbaa firdii godheera (Yoh. 5:22, 27; 9:39; HoE. 10:42; 17:31; 2Qor. 5:10; 2Xim. 4:1 fi 1Phex. 4:5). Ta'us, dubbifama tokko tokko keessatti Kristoos jedheera, faraduudhaaf akkan hin dhufne (Yoh. 3:17-21; 12:47-48). Kristoos firdiidhaaf hin dhufne, garuu fayyisuudhaaf malee, ta'us, namootni kan isa hin simanne dhugaan matuma isaanii irratti firdii fida kanaaf, eenyudha teessoo kana irra kan taa'ee?Yesuusiidhaa? kun ta'u danda'a Mat. 25:31-46 sababni isaa keessumatti Yoh. 5:22 fi 2Qor. 5:10, ta'us, yeroo baay'ee kakuu haaraatti, keessumatti macaafa mul'ataa keessatti, Waaqayyo abbaadha teessoo irra kan taa'e (Rom.14:10;Mul. 5:1, 7, 13; 6:16; 7:10, 15; 19:4 fi 21:5).

▣ **"Samiidhaa fi ardiin fuula isaa duraa baqatan"** warri tokko tokko kana akkaataa isaan itti ilaalan dhabamsiifamuu abaarsaati, innis uumama fooni irra kan taa'ee, Addaami fi Heewwan osoo finfilanii fi kufani (Uma. 3:17-19 fi Rom. 8:19-22). Kan biroon kana akkaataa isaan itti ilaalan kan ammaa seera fooni fakkiduu fadiisa wali galaati, 2Phexi. 3:10, 12 (HoE 3:21; Room 8:21) irratti akka ilaalamu.

Qooqi kakuu moofaa kun kan inni argisiisuu (1)Waaqayyo gara uumama isaa dhufuu isaa, Faru. 114:3-6, Isa. 13:10; 24:19-20, 23; Iyu. 2:10, 30-31; 3:15; Zak. 14:6) yookaan (2)Waaqayyo yeroo kana booda lammanuu dhugaa baatuu isaa bara baraa barbaaduu dhiisuu isaati, Lakk. 35:30, Kes. 17:6;; 19:15. Inni ni mo'aa!

Samiin akka yaada barreefama kanaatti teessoo Waaqayyo hin argisiisu, garuu lafaa ol kan jiru qilleensa naanooti male, akka Uma. 1:1 irratti.

**20:12 "Warri du'anis xixxiiqqoo fi gurguddoonis teessoo isaa dura dhaabbataniin arge"** gareen wal ga'ii guddaa kanaa amansiisaa miti, fi yeroo hundumaa tilmaama duraa tokko irratti kan hundaa'ee dha, akkuma tarreefama macaafa multaa heedduu hiiki mul'ataa.

"Gurguddootaa fi xixxiqoowwan" gaaleen jedhu kan inni argisiisuu 'danda'uu (1)amantoota (Faru. 115:13, Mul. 11:18, 19:5) yookaan (2) kan hin amanne (13:16, 19:18). Haala barreeama kanaan "holootaa fi re'oota" wajjin wal cina dha, Mat. 25:31-46 yookaan "samii irra kan jiran, fi lafa irra, fi lafaa gadi" Fil. 2:10-11.

▣ **"Macaafonnis ni banaman"** kun Dan. 7:10 kan eeruu dha. Macaafonni lama eeramaniiru: kan gochaa yookaan kitaaba yaadannoo fi kitaaba jireenyaa (3:5; 13:8). Kitaaba jireenyaa Bau. 32:32-33; Faru 69:28; Isa. 4:3, Dan. 12:1, Luq. 10:20, Fil. 4:3; Ib. 12:23; Mul. 3:5; 13:8; 17:8, 20:15, 21:27 irratti ibsameera. Kan gochaa yookaan kitaaba yaadannoo Faru. 56:8; 139:16; Isa. 65:6, Mil. 3:16 fi Mul;2012-13 irratti ibsameera. Isaan kun Waaqayyoodhaaf fakkiduu yaadannooti. Waaqayyo uumama isaa wajjin akka ta'utti hejjata, namoonni gocha isaaniiti fi yaada isaaniitiif itti gaaffatamummaa qabu, akkasumas Waaqayyoodhaaf itti gaaffatamummaa qabu (Gal. 6:7). Firdii tokko qofatu jira.

▣ **"Warri du'aanis kitaabaa irratti barreefamani akka turan akkuma hoji isaanitti hirmaatan"** firdiin kan inni geggeefamu akkaatee filannoo jireenya ilma namaa irratti (Mat. 25:31-46). Waan facaafnu ni haamanna (Gal. 6:7). Namootni hundumtuu akka hoji isaanitti murtoo akka argatan kan jedhu dhugaan barumsa hafuuraa Erm. 17:10. Matt. 16:27; 2Qor. 5:10; Mul. 2:23; 20:13 irratti argamuu danda'a. tarreefamni waabii kan guutamee 2:23 irratti yaadanno jiru ilaali.

**20:13 "Galaanaa… du'a… si'olis kan isaan keessa jiru warra du'an kennan"** kana jechuun warri du'an bakka adda addaa sadii taa'uu jechuu miti, fakkiduun wal cinaa kan inni cimsa itti laatu warri du'an humdumtuu Waaqayyo dura dhaabbachuu isaaniti (Fil. 2:10-11).

**20:14 "Du'aa fi si'olis galaana abiddaatti gataman"** isaan kun duraan dursani 6:8 irratti eeramaniru. Du'I, diina ilma namaa isa guddaa dha (Ib. 2:14-15) mo'amee dhabamsiifameera) (1Qor. 15:26, 54-55; 2Xim. 1:10; Mul. 1:18; 21:4).

▣ **"Du'I lammaffaan"** kitaabni qulqulluun waa'ee du'a abbaa sadarkaa sadi dubbataa :

1. Du’a hafuuraa Uma. 3; Isa. 59:2, Rom. 5:12-21, 7:10-11, Efe. 2:1, 5, Qol. 2:13, Yaq. 1:15
2. Du’a foonii, Uma. 5
3. Du’a bara baraa, innis “du’a lammaffaa” kan jedhamuu, Mul. 2:11; 20:6, 14, 21:8, kunis gahanabiin kan argisiisu

**20:15 “Eenyuu iyyuu maqaan isaa”** himi kun ramaddii tokkooffaa haalaati, innis kan fudhatuu macaafa jireenyaa keessatti kan hin barreefamne akka jiranii dha (fskkiduun Kristoositti kan hin amanne).

▣ **“Kitaaba jireenyaa”** 13:8 irratti yaadannoo jiru ilaali.

## GAAFFILEE MAREE

Kun qajeelfama hiika qayyabannaa yeroo ta’uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi’uutu nurra jira. Hitkoonni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kana deebiiftee hiIka irratti jechama biraan akka hin fudhanne.

Gaaffileen mare kun kan isaan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta’utti akka ati qayyabatuu fi hubatuu dha. Kana jechuunis akka ta’utti akka ati xiinxal;tu si kakaasuuf malee kana qofatti akka daangeefamtu miti.

1. Gaarii, kitaabni qulqulluun amantoota tarreesitoota hiika kitaaba kanaa irratti maaliifitu wali galuu hin dandeenyee?
2. Kitaabni kun qooqa fakkeenyaatiin erga barreefame (sharbeen Apokilaptiki) maaliif namoonni baay’een boqonnaa kanaa maaliif akkuma jirutti fi seenaadhaan fudhatuu?
3. Seexanni maaliif yeroo xiqqoodhaaf hidhame lakk. 3 fi 8 irratti ormootni jiran eessaa dhufan?
4. Lakk. 4 irratti obboloota ammamiitu itti dabalame, kunis faayidaan isaa maaliif?
5. Boqonnaa kana irratti kan sadarkaa lama qabu du’aa ka’uu argachuun maaliif baay’ee nama ajaa’ibsiisa?
6. Qulqulloni du’aa ka’an ormoota foonii wajjin akkamitti wali wajjin jiraachuu danda’uu?
7. Teessoo firdii adii guddaa irraatti kan hamataman eenyufaadhaa, lakk. 11:15?

# MUL'ATA 21-22
# HIIKAWWAN HARAAWAA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqa haaraa fi Lafa haaraa | wanti hundu haaraa ta'e | Mul'ata Yerusaaleem haaraa | Waaqa haaraa fi lafa haaraa | Yerusaaleem ishee waaqa irraa |
| | | (21:1-22:5) | | |
| 21:1-4 | 21:1-8 | 21:1-4 | 21:1-4 | 21:14 |
| 21:5-8 | | 21:5-8 | 21:5-8 | 21:5-8 |
| Yerusaaleem ishee Haara | Yerusaaleem ishee haara | safara magaalatti | Yerusaaleem ishee haara | Masihii Yerusaalem |
| 21:9-14 | 21:9-21 | 21:9-14 | 21:9-21 | 21:9-14 |
| 21:15-21 | ulfina Yerusaalem Haara | 21:15-21 | | 21:15-22:2 |
| | | Mukaa fi bishaan Jireenyaa | | |
| 21:22-22:5 | 21:22 | 21:22-22:5 | 21:22-22:3a | |
| | Laga jireenyaa | | | |
| | 22:1-5 | | | |
| | | | 22:3b-5 | 22:3-5 |
| Dhufaati Kristoos | Barichi dhi'oodha | itti fuftee | Dhufaati Yesus | |
| 22:6-7 | 22:6-11 | 22:6 | 22:6 | 22:6-7 |
| | | 22:7 | 22:7 | |
| 22:8-11 | Yesus waldaa Kristaanaaf dhugaa Ba'e | 22:8-9 | 22:8-11 | 22:8-9 |
| | | 22:10-11 | | 22:10-15 |
| 22:12-13 | 22:12-17 | 22:12-13 | 22:12-13 | |
| 22:14-15 | | 22:14-15 | 22:14-15 | itti fuftee |
| 22:16-17 | | 22:16-17 | 22:16 | 22:16 |
| | | | 22:17a | 22:17 |
| | | | 22:17b | |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | 22:17c | |
| | Of eegachiisa | | Guduunfaa | |
| 22:18-19 | 22:18-19 | 22:18-19 | 22:18-19 | 22:18-19 |
| | Arifadheen dhufa | | | |
| 22:20 | 22:20-21 | 22:20 | 22:20 | 22:20 |
| | | 22:20b | 22:20b | 22:20b |
| 22:21 | | 22:21 | 22:21 | 22:21 |

**RAMADDII DUBBIFAMAA SADII FUULA (fuula v ilaali kutaa seensaa irratti)**

**YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATIIN HORDOFUU**

Kun qajeelfama hiika qayyabannaa yeroo ta’uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi’uutu nurra jira. Hitkoonni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kana deebiiftee hiIka irratti jechama biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha gadi taa’uu tokkoon dubbissi. Yaadawwan ijoo irratti (marsaa ramaddii dubbisaa lakk.3 fuula vii). Kan kee yaada ijoo ramaddiwwan gubatti kan tarreefaman hiiktoota shanan wajjin wal bira qabi. Guutummaan mul’inichaa keeyata keessatti argamuu yoo baatees yaadni barreesitoota jalqabaa kan ta’ee wanti barbaachiisaan hiikichaa irratti argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa of keessatti qabateera.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.F

QABIYYEE BARREEFAMAA

1. Mul’ata 20-22 ramaddii barreefama torbaffaa caaseessa. Mul’atni 21-22 gocha Waaqayyoo seenaa namaa irratti xumura, akkasumas mootummaa bara baraa argamsiisa (Dan. 7:13-14, 27;1Qor. 15:27-28). Mul;ata 22:6-21 kan walitti qabaa kitaabichaa guutuuti.
2. Guutuu guutuutti osoo hin taanee boqonnaa lamaan kana keessatti wantootni jiran (1)Uma. 1-3 (2)Faru. 110, yookaan (3)Keessoo kakuu barreefama Apokilaptikii Yihudootaa kan eeru dha.
3. Marii bal’aan geggeefameera, waa’ee wantoota hin baratamiin kanaa, kutaa dhumaa kana irra kan jiran.
   a. “Kan ormootaa” eeruu – 21:14; 22:2
   b. “kan mootota biyya lafaa” kan eeru 21:24, 26
   c. “kan balfa magaalaa ala jiru” eeruu 21:27; 22:15

Wantoota kana itti dabaluudhaaf sababi yaadamu heedduun ni jiraata:

1) Yohaannis raajoota kakuu moofaa eereera. Kan akka fakkeenya wangeela keessa jirani, hiiktootni tarreefama isaa akkuma jirutti akka hiikan miti, garuu cimsi kan itti laatamu wantoota gurguddoo akka adda baasan male.
2) Kaayyoon Yohaannis kan fayyaanii fi kan badan gidduutti garagarummaa bakka ga'umsa isaa argisiisuu dha.
3) Kutaa kana irratti kan eeraman "ormooni" yaada wali gala sanyummaaf faayidaa irra oola, kan akka "saba Waaqayyo" 5:9; 7:9;21:14 fi 22:5.
4) Sababa wantoota kanaatiif warri tokko tokkoo, Yihudoota fayyan magaalaa keessatti akkasumas ormoota fayyan magaalaa alatti ilaalu. Ha ta'uu malee, Gal. 3:29 fi Efe. 2:11-3:13 sababni, kun barumsa hafuuraa barbaachiisaa ta'u hin danda'u.
5) Irra deddeebi'uudhaan boqonnaa 17-19 fi 20-22 gidduu kan jiru natty fakkaata. Kunis qabatama irra deddeebi'aa kutaa kana hundumaa keessatti ibsa.

4. Boqonnaa lama kana keessatti duraa fi aantee dabalataa tokko "torba" argama. Isaan kunis kana boodee kan hin jiraannee dha
   1) Galaana _ 21:1
   2) Du'a _21:4
   3) Gada__ 21:4
   4) Boo'icha __ 21:4
   5) Dhukkuba__ 21:4
   6) Dukkana__21:5
   7) Abaarsa __ 22:3
5. Firdiin isaa deebi'ee dhufuu Kristoosii wajjin akka wal qabatan, bifa fakkiidhaan argisiisuu mul'ata sadan keessatti argama (mallatoowwan, fiinoowwan, fi xoofoowwan), samiinis bifa fakkiin argisiisuu fakkiduu kakuu moofaa sadiin argamuu danda'a:
   1) Godoo bultii (mana qulqulluummaa), 21:1-8
   2) Yerusaaleem ishee haaraa, 21:9-26
   3) Kan ganata Eden, 22:1-5

   Kunis immoo waa'ee dursuu isaa sirrii ta'aa (1:1-8), innis cimsa kan itti laatu

   1) Akka tasaa deebi'ee dhufuu Kristoosiif
   2) Sagalee Waaqayyootiif amanamaa ta'uu
   3) Saba Waaqayyootiif barbaachisummaa qulqullummaa

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## MUL'ATA 21:1-4

**1Kana boodees ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge; bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas, darbaniiru, galaanis deebi'ee hin argamu. 2Yerusaalem mandarri qulqullitiin isheen haaraan, Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa akka misiroo dhirsa isheetiif kuulamteeti, qophooftee utuu gadi buutuu nan arge, 3Yemmus ani sagalee guddaa tokko nan dhaga'ee innis teessoo sana biraa, "kunoo, iddoon Waaqayyo buufatuu namoota gidduu dha, inni isaan bira buufachuuf jira, isaanis saba isaa ta'uuf jiru, Waaqayyoo fi isa isaani wajjin jiraachuuf jira, Waaqayyo isaaniis ta'uuf jira. 4Inni imimaan hundumaa ija isaanitti ni haqa; wanti duraa wan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!" jedhe.**

**21:1 "Nan arge"** turmaata yeroo murtaa'ee qaba, yeroo ammami akka ta'ee hiika keessaniin murtaa'aa kan boqonnaa 20 "waggaa kuma".

▣ **"Samii haaraa fi lafa haaraa"** jechi Girikii kun "haaraa" kainos, cimsa kan inni itti laatuu qulqullinaaf malee duraa fi aantee yerootiin miti (2:17; 13:12; 5:9; 14:3; 21:1, 2, 5). Qabatamni kakuu moofaa kun kana ture, lafti haaraan uumamamtan (Isa. 11:6-9;65:17; 66:22; akkasumas immoo Rom. 8:18-25, 2Phex. 3:10, 12 ilaali). Amantootni hundumtuu lammii mootummaa haaraati (Fill. 3:20, Efe. 2:19, Ib. 2:23) kun uumama haaraa hirmaatu (2Qor. 5:17; Gal. 6:15; Efe. 4:24). Yaad-rimeen barumsa hafuuraa wal cinaa kana ta'uu danda'a "magaalaan Waaqayyoo harka namaatiin kan hin hojjetamne" Ib. 11:10, 16; 12:22; 13:14. Uumamni haaraan akkuma ka'umsa uumamaa ta'a. samiin kan inni deebi'ee kan ganata Eden ta'a. Waaqayyo, mucaan namaa, bineensi, fi tokkummaan uumamni uumamaa hundumtuu tokkummaa qabaatu, deebi'anis ni gammadu! Kitaabni qulqulluun kan inni jalqabuu Waaqayyo fi yoomessa ilma namaa Ganataati (Mul. 21-22) fi tokkummaa raajiitiin, bineensis (Isa. 11:6-8; 65:25). Amantootni gara samii adeemu, Yerusaalem ishee haaraan samii irraa gadi buuti (Mul. 21:2) kanaaf haaraa gara irraa uumamtanii fi gara lafa keessan bilisaa ni dhuftu. Waaqayyoof namoonni deebi'anii wali wajjin ta'uu (Uma. 3:15; Isa 7:14; 8:8, 10; Mul. 21:3).

▣ **"Samiin duraa fi lafti duraa darbeera"** uumamni deebi'ee ni jiraata (HoE. 3:21; Rom. 8:21; Qol. 1:20) dhiibbaan cubbuu hin jiraatu (2Baaruk 37:6, 2Phex. 3:1012, Mul. 20:11).

▣ **"Galaani kana booda hin jiru"** hiiki gaalee kanaa heedduun jira (4:6 irratti yaadannoo ilaali):

1. 4:6 irratti sababi galaani eeramu isaatiin, kan akka karaa qulqullummaa Waaqayyoo ibsuu, kunis isa ilma namaa cubbammaa irraa kan adda isa godhu, warri tokko tokko asitti hafuu isaa kan isaan ittiin ilaalan Waaqayyoodhaaf nama gidduu walitti dhufeenya mudaa hin qabne kan ture deebi'uu isaati
2. Mul. 20:13 irratti galaana kan fakkaatuu sadan isaa keeessaa inni tokko bakka warri du'an turanii dha, kunis, warri du'an hundumtuu lamaanuu isaa irraa iddoon ga'umsa bara baraa isa tokkoffaan akka ta'an karaa ittiin ibsuu dha
3. Bineensi jalqabaa Mul. 13:1 irratti sababa inni galaana keessaa ba'ee fi, galaani namoota hamoota kan eere kan argisiisu ta'a Isa. 57:20 kunis hamoonni kan booda jiraachuu dhabuu isaanii kan argisiisu ta'a
4. Mul. 17:5, Isa. 17:12-13 sababa eeramuu isaatiin achitis bishaanii namootaaf waan deebi'eef baay'een akka cimsa itti laatanitti inni kan inni argisiisu saba hamoo dha, kan akka faarfannaa 2. Ani lakkoofsa tokkon bifa tokkoon filadha.

**21:2 "Magaalatii qulqullooftuu Yerusaaleem ishee haaraan arge"** Yerusaalem Filisxeemiin kan waamamtu "magaalatti qulqullooftuu" jedhamteeti Isa. 52:1 (Isa. 48:2;64:10;Dan. 9:24; Nai. 11:1). Yerusaaleem isheen haaraan kun jalqaba kan eeramtee 3:12 irratti, akkuma kana Ib. 11:10; 12:22; fi 13:14 irratti eeramteeti. Kunis kan argisiisu, Yohannis akkamitti godhee raajii kakuu moofaa, jechoota, maqoota, fi abdiiwwan akka fudhatee fi saba Waaqayyo isa haaraaf akka oolchee dha. Magaalaan kun Filisxeem keessa kan jirtuu Yerusaaleem kakuu moofaa miti, bar-kumeewwan tokko tokko akka isaan yaadaniti, ha ta'u malee kakuu haaraan Yerusaalem ishee Waaqa irraati male.

▣ **"Samii irraa osoo buutuu"** wanti bu'u lama hin jiraatuu, inni tokkoffaan lakk. 2 irratti kan biraa lakk. 10 irratti. Qooqi Apokilaptikii baay'ee wal jijjiraa dha, akkasumas duraa boodaan, loojikiidhaan, kan hin jijjiramne (akkuma jirutti) caasefama isaa hin danda'u.

▣ **"Abbaa mana isheetiif akka misiroo kuulamtee qophoofte,"** kun Isa 61:10 (19:7) kan eeruudha. Dhuma boqonnaa kanaa irratti fakkiduu baay'een faayidaa irra ooleera, saba Waaqayyoo ibsuudhaaf, (1)misiroo (19:7;21:2); (2)Cidhatti kan waamaman (19:9); fi (3)Magaalaa (21:22, 9;22:2).

Kan kakuu moofaa fakkiduun Yaahiwwee (keessumatti Hose. 1-3) akka abbaa manaa fi Israa'eel akka Misiroo, waldaan kristaanaa akka misiroo Kristoos kan fakkaachuu isheeti (Efe. 5:21-31).

**21:3 “Kunoo, godoon Waaqayyoo namoota gidduu dha”** gaaleen Girikii kun kan inni irra deebi’uu abdii kakuu moofaati , Waaqayyo namootaa wajjin akka buluu karaa adda addaa sadiin:

1. Inni iddoo bultii isaa kan eeruu dha, fakkeenya argama Yaahiwwee
2. “isaan gidduu bula” jechuun “Amanu’eel” jecha jedhuu dha, Isa. 7:14, (Yoha. 1:14)
3. “Isaan saba isaa ta’u” jecha kakuuti, amma amantootni hundumtuu saba (Yoh. 10:16) Waaqayyo kan filate saba (Lew. 26:11-12; Hiz. 37:23, 27).

**21:4 “Imimaan hundumaa ija isaaniti haqa”** kun Isa 25:8 (Mat. 5:4; 7:17) kan eeruu dha. Barri haaraan kan gammachuu, kan nagaa, kan guutamuu, fi kan galataa ta’a!

▣ **“Kana booda diu’I hin ta’u”** kun diina isa dhumaati (Mul. 20:14) ni dhabamsiifama (1Qor. 15:26). Amantootni kan mataa isaanii qaama haaraa qabaatu, akkuma qaama du’aa ka’uu Kristoos (1Qor. 15:50-57; 2Qor. 3:18, 1Tas. 4:15-16;1Yoh. 3:2).

▣ **“Kana booda gaddi hin ta’uu yookaan boo’ichi yookaan dhiphinni”** kun Isa. 65:19 lkan eeruu dha innis immoo Isa 35:10 ni callaqisiisa.

▣ **“Seerri duraan ture darbeera”** seerri uumamaa jalqabaa sababa kufaatiitiin badeera (Uma. 3:6:5, 1-12, 13), ha ta’uu malee seerri haaraan cubbuudhaan kan hin miidhamne ta’a (Ib. 12:27-28).

## MUL'ATA :21-5-8

**5Inni teessoo irra taa’ee immoo, “kunoo , ani waan hundumaa haaraa nan godha1” jedhe; itti dabalees, “dubbiin kun amanamaa, dhugaas waan ta’eef, kan caafi!” naan jedhe. 6Akkasumas, “ta’eera! Ani aalfaa dha, oomegadhas, isa jalqabaati, isa dhumaatis; ani isa dheeboteef burqituu bishaanii isa jireenya kennu irraa tola nankennaaf. 7Inni mo’u kan itti darbee argachuuf jira; ani Waaqayyo isaa nan ta’a, innis ilma koo in ta’e. 8Qoodi warra lugnootaa, warra amantii hin qabe, warra cigaa’amoo, warra gummaa, warra halalee, warra qoricha namati godhan, warra waaqayyoolli tolfaman waaqeessan, warra sobduu hundumaas garuu, kuufama ibiddii fi dhagaan boba’u keessaa balalchu in ta’a innis du’a lammaffaa dha” naan jedhe.**

**21:5 “Teessoo irra inni taa’e jira. Jira.”** Waaqayyo mul’ata irratti yeroo baay’ee dubbateera (1:8 fi akkasumas 16:1, 17). Ta’I jedhe kan godhamee hiiki isaa ifaa kan hin taane fakaata, eenyu teessicha irra akka taa’u, Yaahiwwee yookiis Masihii (22:3). 20:11 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali. Uumamni jalqabaa Waaqayyoodhaan gara argamaatti akka dhufe (jechuun, abbaa karaa ilmaatiin) dubbii dubbateen (Uma. 1:3; 6, 9, 14, 20, 24; Faru. 33:6, 9), akkasuma immoo uumama haaraa ta’a.

▣ **“Hundumaa haaraa nan godha”** kun kan Isa. 60-66 abdii dha. Kunis kan hafuura bara haaraa argisiisa, kan bara Masihii bara tolaa, Yesuus akka dhufaati isaa jalqabaatti kan eebbise, ta’es deebi’ee dhufuu isaatiin kan inni gonfatu. Kunnis fakkiduu amansiisaa dha fedhi Waaqayyoo gara dhugummaati akka dhufu (1:19; 14:13; 17;19:9).

▣ **“Jechooni kun kan amanamaniif dhugaa kan ta’aanii dha”** gaaleen kun faayidaa irra kan oole (1)Yesusiin, 1:5; 3:7, 14; 19:11; (2)Duuka Yesuus, 17:14, fi (3)Sagalee Waaqayyoo 19:9; 21:5;22:6 ibsuudhaa. Waaqayyoo yeroo hundumaa akka “tolaati fi dhugaati” dha kan inni ibsu (15:3, 16:7, 19:2). Yaadi Ibirootaa gaalee Girikii kana irratti tokkummaan isaa amanamuu dha. 21:6 “raawwateera” kun gocha xumuramee kan argisiisuu dha. Kunis dhugummaa abdii Waaqayyoo wajjin wal qabata, lamannuu irraa, dheekamsa warra hin amanini fi fayyina warra amananiif kan ilaalate (6:11, 10:7, 16:7) yookaan sagaleen Waaqayyoo daangaawwan (1:1, 3:11; 10:6;12:12; 22:7, 10).

▣ **"Ani Alfaa fi Oomeegadha"** kun waa'ee Waaqayyootiif faayidaa irra kan ooleedha Isa. 44:6 fi Mul.1:8 irratti, ta'us, baay'ee faayidaa kan qabaatu, gaaleen kun, ammam illee waamamni isaa abbaadhaaf ta'us,inni immoo MAsihidhaafis faayidaa irra ooleera, 1:17 fi 22:13. Inni fakkeenya kan biroodha, barreefama kakuu haaraaf waamama maqaa Waaqayyo ilmaaf fayyadamuun isaanii.

Gaaleen kan itti dabalaman heedduun jiru, isaanis kan Waaqayyoo bara barummaa isaa, argama adda ta'e kan ibsan:

1. "Jalqabaa fi dhuma" Isa. 41:4, 44:6, 48:12; Mul. 1:17, 22:13
2. "Jalqabaa fi dhuma" 21:6, 22:13 fi KJV 1:8
3. "Kan jiru kan ture kan dhufu" 1:4, 8; 4:8

Isaan kun hundumtuu kan isaan adeeman maqaa kakuu Waaqayyoo wajjin, Yaahiwwee, innis jecha Ibirootaa "ta'u" argamuu bocaa (Bau. 3:14; Isa. 43:10, 13, 46:41; Faru. 90:2, 93:2).

▣ **"Kan dheebooteef burqaa bishaan jireenyaati akkasumatti nan kennaaf"** kakuu moofaan kan eeruu Isa. 55 dha. Hafeeraan isaa hundumaaf, akkasumas raawwatee bilisaan, (Rom. 3:24, 2:23; Efe. 2:8)! Hafeeraa guddaa akkamiti, Waaqayyo mataa isaa irraa dhiifamni argame. Fayyina ilmaan namootaa yeroo hundumaa giddu galeessa laphee Waaqayyoof yaada isaa (9:20-21;14:6-7; 16:9, 11; 22:17).

Kakuun moofaan burqaa bishaanii yeroo hundumaa kan inni ittiin wal qabsiisuu Waaqayyo ilma namaatii fi fedhii hafuuraa kenneefi wajjin (Faru. 36:9; Isa. 12:3; 44:3; 49:10; Erm. 2:13; 17:13 akkasumas immoo Yoha. 4:10).

**21:7 "Kan mo'u"** kun gocha keeyata ammaati, kunis itti fufiinsa kan qabu doktiriini cimaa waabii kan gaaffatu, yeroo ari'atamaa cimaa gidduuti. Gaaleen kun ergaa isaa hundumaa irratti argama, waldootaa kiristaanaa torbanuutiif (2:7, 11, 17, 26; 3:3, 5:12, 21), kunis immoo kan furtuu boqonna Yohaanis guduunfaa isaa wajjin kan wal qbsiisu. Mata duree addaa cimina 2:2 irratti ilaali.

▣ **"Kan dhaala"** badhaasa dhaalaa lakk. 7 irratti (1Phex. 1:4, 5; Rom. 8:17) fi lakk. 8 irratti kan jiran of eegachiisawwan, duubaan kan jiru ganuu guddaa kunis immoo bara ari'atamaati kan ta'u dhiibbaadha. Gantoota duraa fi aantee hamoo (lakk. 8); 1Qor. 6:9-10 irratti kan argamu wajjin wal fakkaataa dha.

▣ **"Anis Waaqa isaan ta'aaf innis mucaa koo naaf ta'a"** isaan kun gaalee kakuuti (lakk. 3) kakuu moofaatti baay'ee kan irra deddeebi'aman (Kes. 6:7; 29:45, 46; Lew. 26:11-12, 2Sam. 7:14, Faru. 89:26-27; Ermi. 7:23; 11:4 ; 30:22; 33:38; Hiz. 11:20;14:11, 34:30, 36:28, Hose. 2:23, Zak. 8:8, 13:9) fi akkasumas immoo kakuu haaraatti faayidaa irra kan oole (2Qor. 6:16, 18).

Yaad-rimeen kakuu kan kitaaba qulqulluu tokkumaa ergaati. Mucaan namaa Waaqayyoti adda ba'eera (Isa. 53:6; Rom. 3:9-18, 23). Ilmi namaa Waaqayyoon argachuu hin danda'u. Waaqayyootu nu qaqaba, Waaqayyo nu qaba! Hafeeraan tokkummaa isaati immoo kakuu isaa isa tokkoo dha. Inni ka'umsa isaa godhata (Ermi. 31:3, Yoh. 6:44, 65); ajandaa isaa qopheessa, ilmi namaa garuu kara murtaa'aa ta'een deebii kennuutu irra jiraata. Karaan kun qabiyyeedhaan adda adda ta'a (Addaam/Hewwaan, muka dhorkame, Nohi, Doonii, Abirahaam, lafa, mucaa, Musee, jecha seeraa), boci fudhannaa isaa garuu amantii Waaqa amanamaa irratti, akka jirutti tura (Rom. 4). Safartuun kakuu moofaa jiru, inni haaraanis akkasuma (Mar. 1:15; HoE. 3:16, 19; 20:21). Mucaan namaa deebii kennutu irra jiraaata ka'umsa irraas ta'ee itti fufeenyaan, amantiidhaan, qalbi jijjiranaadhaan, aboomamuudhaan, tajaajilaan, waaqefannaan, fi ciminaan.

Mata duree addaa: mucaa Waaqayyoo 2:18 irratti ilaali.

**21:8** cubbuu duraa fi aantee akkasii argachuun kan baratame miti, firdiin dursee erga kennamee booda, akkasumas cubbamootni dhabamsiifamaniiru jedhamee yoo yaadame booda (Yesusiin mo'ichi deebi'ee dhufuu isaatiin, 19:5-22 fi teessoo adii, 20:11-15). Kana jechuun amantootni tokko tokkoo cubbuu kana hin raawwatan jechuu miti, ha ta'u malee, jireenya isaanii cubbuu kanaan amala hin godhatan jechuu dha malee (1Yoha. 3:6, 9). Kunis ta'uu kan danda'auu tooftaa barreefamaati, garaagarummaa bara barummaa argsiisuuf, warra badanii fi warra fayyan gidduu garaagarummaa jiru argisiisuuf yookaan kallattiin baacoo Apokilaptikii inni tokkoffaan (cimsaaf kan irra deebi'ame).

▣ **"…gaalana ibiddaan gubatu, kunis du'a lammaffaa dha."** Galaani abiddaa wal fakkaaaa du'a lammaffaata'uun isaa ifaa dha, yookaan yaad-rimee keenya gahaanab, Yesus gahaanab jedhee kan waame (jechi Girikii, mul'ata irratti kan argamu). Mata duree addaa ilaali: warri du'an eessa jiru? 1:18 irratti.

## MUL'ATA :21:9-14

**9Ergasii ergamoota torban warra waciiti torba dha'icha gara dhumaa torban keessa guutan of harkaa qaban turan keessaa inni tokko dhufee, anatti dubbate, "kotuu, ishee misiroo haadha manaa hoolichaa sitti nan argisiisaa!" jedhe. 10Hafuuraanis ol na fuudhee gara tulluu guddaa dheeraa tokkootti na geese; Yerusaaleem mandara qulqullitti Waaqayyo biraa bantii Waaqaa keessaa gadi buutuus anatti in argisiise. 11Isheen ulfina Waaqayyoo qabdi, callaqisi ishee akka dhagaa baay'ee gati jabeessaa, akka hisophis qulqullaa'a akka cabbiitis. 12Masaraa guddaa dheeraa qabdi turte, masarichis karaa kudha lama qaba, karaa san arras ergamoota kudha lamatu ture. Mataa karaa sanaa irratti maqaan gosa ijoollee Israa'eel kudha lamaan caafamee jira; 13Karaa baha biiftuu karaa sadii, karaa harka bitaa karaa sadii, karaa harka mirgaa karaa sadii, karaa lixa biiftuu karaa sadiitu turan 14 Hundeen masaraa sanaa kan irra dhaabbatee immo dhagoota kudha lama isaan irratti immoo maqaan ergamoota hoolichaa warra bartoota isaa turan kudha lamaan caafame jira**

**21:9 "Ergamoota torban keessaa tokko"** kun kallattiidhaan ibsa ergamichaati 15:1, 6-8; 16:1; fi 17:1 innis xoofoo torban kan dhangalaase. Aadaa barsisoota Yihudummaa argamuu ergamootaa torban jiru, Waaqayyoon kan tajaajilan. Asitti tokkoon tokkoon dha'ichaatiif ergamaan tokko jira.

**21:10 "Hafuurris na fuudhe"** kun mala barreefamaati, mul'ata adda addaa argisiisuudhaaf (1:10;4:2; 117:3; 21:100.

▣ **"Gara gaaraa isa guddaa fi dheeraatti"** baay'een kan amanan kun kalattiidhaan faallaa akka ta'ee dha, diree irra kan turtee halaleetti ishee guddoo. Ta'us, Yohannis dubbifama kakuu moofaa hedduu eereera, kanaaf asitti isa dhok.saa ta'ee gaara kaabaa Waaqayyo kan irra jiraatu kan eeru ta'a , Hiz. 40:2; Isa2:2, 14:13, Mik.4:1, 1Henook 18:8, 25:8). Innis qormaata seexanaa eeruu isaa ta'a, kan Yesus, Mat. 4:8.

▣ **"Magaalatti qulqullooftuu Yerusaalem samii irraa osoo gadi buutu nati argisiise"** kun Yerusaaleem ishee waaqa irraati, fakkidu bakka argama Waaqayyo (lakk. 2). Ishee lafa irraa ishee cubbamtuu Yerusaalem 11:1-13 irratti ibsamteeti. Magaala guddoo Dawiti gara bara raawwataati iddoo bultii saba Waaqayyo hundumaa taateti (Yoh. 14:2-3).

**21:11 "Ifi ishees kan akka dhagaa baay'ee ulfina qabeesaa kan akka dhagaa Iyasiphidi ta'ee akka birillee kan qulqullaa'e ture"** magaalaatiin (lakk. 11-27) baay'ee barreeduu taatee kan ibsamte, qaaman, fi jecha safuuti. Kan akka macaafa mul'ata hundumaa boqonnaan kun fakkeenoo dha. Cubbuun namaa, yaada murtaa'aa akkanumatti salphaamatti argamuu Waaqayyootiin kan inni qabaatuu bakka ga'umsa gammachuu fi ulfina hubachuu ni danda'u (1Qor. 2:9). Kan hin jijjiramne (akkuma jirutti) faayaa fi ajaa'ibsiisaa magaalaa duriitiif fakkiidu fooya'aa ta'uu danda'u , ha ta'u malee isaan

dhugaa bira gahame miti! Samiin lammanuu dhugumatti qaama (Yesus) fi bakka (tokkummaan kan itti godhamu, kan sadan tokkummaa Waaqa tokko kan ta'e wajjin) dha.

**21:12 "Balbala kudha lama qabdi turte balbalichaanis ergamonni kudha lama"** kun Hiz. 48:31-34 kan eeruu dha. Lakk "kudha lama" irra deddeebi'ame ni mul'ata, boqonnaa kana yaadachuudhaaf akkasumas kan boqonnaa 22 kan lakkoofsa jalqabaa muraasaa. Innis kan kitaaba qulqulluu fakkeennoo lakkoofsaati, dhaabataaf (ji'a kudha lamaaf, gosoota kudha lamaaf, yookaan ergamoota kudha lamaaf ) yookaan kan saba Waaqayyoo. Mata duree addaa: lakk. Kudha lama 7:4 irratti ilaali.

▣ **"Maqaan gosoota Israa'eel kudha lamannuu itti barreefamee ture."** Mul. 7:5-8 irratti kan jiru tarreefamni gosoota kudha lamaa hanga tokko jijjirameera, fakkeenoon uumama isaanii argisiisuuf. Asitti, baay'ee faayida qabeessa kan ta'u kan kakuu moofaa saba Waaqayyoo lakkoofsa kudha lama irratti kan ibsaman, kan kakuu haaraa saba Waaqayyoo wajjin wali galuu isaaniti, lakk. 14 irratti dhagaa bu'uuraa biratti kan eeraman. Saba Waaqayyo tokko qofa kan jiraatu, ha ta'uu malee dhoksaan kun qulqullaa'ee hin ibsamne, hanga wangeelaa bira ga'uutti (Efe. 2:11-3:13).

**21:14 "Dallaa magaalattiti fi bu'uura kudha lama qabu turan, isaan keessas maqaan ergamoota hoolichaa kudha lamaan barreefamee ture."** Fakkiduun kun hundumtuu kan eeraman Hizqeel irraa mana qulqullummaa bara dhumaati, innis (Hiz. 40-48).

Tarreesitootni baay'een cimsa kan itti laatan lakkofsi kun kan isaan arisiisan barreesichi ergamaa Yohaannis akka hin taaneeti. Ta'us, Phaawuloos gaalee wal fakkaataa Efe. 2:20 irratti fayyadameera.

## MUL'ATA : 21:15-21

**15Ergamaan inni anatti dubbates, mandaratti, karaa ishee, masaraa ishees safaruudhaaf ulee safaraa warqee irraa hojjetame tokko qaba ture. 16Mandaratiin gara arfaniin wal qixee, hojjaan ishee fi garaan ishees tokkicha ture. Ergamichis ulee safaraa isaatiin mandaratti ni safari, garii tokkoo ishee kilo meetiri kuma lamaa fi dhibba sadii in ta'e; hojjaan ishee, garaan ishee, ol ka'iinsi ishee wal qixee ture. 17Masaraa ishees ni safari, innis akka safara dhundhuma nama, ergamichi ittiin safareetti, dhundhuma dhibbaa fi afurtami afur ta'e. 18Masaraan ishee dhagaa Yaasiphis irraa hojjetame; mandaratiin immoo warqee qullaa'aa isa akka of-ilaallee qullaa'aa keessaan waa arganiitiin ijaaramte. 19 Hundeen masaraa mandaratti dhagaa gati-jabeessa addaa addaatin midheegfamee ture. Dhagaan gati-jabeessi hundeen irra dhaabate sunis inni duraa Yasiphis, inni lammaffaan Saafiros, inni sadaffaan Qalqedoon, inni afraffaan Simaaragidos 20Inni shanaffaan Sardoniikis, inni jahaffaan Saardiyoon, inni torbaffaan Karisolxos, inni sadeetaffan Berilos, inni sagalaffaan Tophaaziyon, inni kurnaffaan Kirisophesos, inni kudha tokkoffaan Yakino xoos inni kudha lammaffaan Ametiisxos tur. 21 Karri kudha lamaan callee gati jabeeyyii kudha lama turan, karri sunis adduma addaan callee gati jabeessa tokko irraa hojjetaman; karaan mandaratti sanaa warqee qulqulluu isa akka of-ilaalee keessan waa argamuu irraa hojjetame.**

**21:15 "Kan nati dubbates magalaatii fi balbaloota ishee masaraa ishees ha safaruuf ulee warqii qaba ture."** Safartuun bara duriitti kan inni fudhatamaa ture eegumsa Waaqayyootiif of eegannoo argisiisuudhaaf (11:1-2, Erm. 31:38-40, Zakk. 2:1-5). Kan Hiz. 40 raajiin bara dhumaa immoo safartuu of keessatti hamata.

**21:16 "Magaalatiin golee afran qabdi turte"** kun qulqulluu qulqullootaa kan eeru ta'a (1Mot. 6:19-20), innis immoo kubii guutuu ta'ee dha.

Sababa manni qulqullummaa hin jireef (21:22) Waaqayyo mataan isaa mana qulqullummaa waan ta'uf ture. Kunis immoo kan Yohannis karaa inni argisiisu ture, raajiin kakuu moofaa kan akka

Hiz. 40-48 kan kana fakkaatan fakkeennoo ta'uu isaaniitiin yookaan karaa biraatiin waa'ee raawwatamu isaaniti.

▣ **"Boqonnaa kuma kudha lama taate"** kun osoo hin jijjipramiin " diree balaa kuma kudha lama-kubi dhibba tokkoofi afurtami afur" isaan kun baayisuu kudha lamaati, kan hin jijjiramne (akkuma jirutti) magaalaa hin argisiisan, ha ta'uu malee safartuu sirriin kan inni argisiisu, Waaqayyo haala adda ta'ee akka kennuu dha, gammachuu dhaabataa fi itokkummaan isaa fi sabicha gidduutti kan uumu (Yoh. 14:2-3) akka fakkeenya kuubi raawwataa kan kakuu moofaa (qulqulluu qulqullootaa."

**21:18-20 "Masaraan magaalatti"** duraa fi aanteen kun dhagaa gat-jabeessa ibsuu kan danda'u

1. Efuud angafa lubichaa irratti kan turan dhagaa gati-jabeessa (Bau. 28:17-20), ta'us duraa boodi isaa fi maqaan isaa adda adda turan. Kun waan hin baratamne miti, sababi isaa maqaan dhagaa gati-jabeessa duri biyyaa biyyatii fi baraa baraatti waan jijjiramuuf.
2. Isa. 54:11-17 magaala midheegfamte
3. Mootii Xiroos (yookaan seexana) miidhagina, miitiidhaan kan dhi'aatee (yookaan kan sami) Hiz. 28:12-13 irrratti kan jiran faayyaa.
4. Zoodiyaak, garuu haala galagaltootiin kan dhi'aate(Fiilo fi Josifes)

**21:21 "Balballi kudha lamaanuu dhagaa gati gati jabeessa kudha lama turan, tokkoon tokkoon balballichaa dhagaa gat-jabeessa tokko irraa hojjetame ture"** kun fakkeennoo dha. Innis deebi'ee gara seera barsiisootaatti gara Taalmud deema, "the Sanhedrin" (koree Yihudoota durii) 100u, innis kan bara dhumichaa balballii magaalatti dhagaa gati-jabeessa tokko irraa akka hojjetame kan ibsu, ol ka'umsa caamaa 45 kan qabu.

▣ "**Bakkeen magaalatti of-ilaallee gaarii kan fakkaatuu warqee gaarii ture."** Kun fakkeennoo dha. Hubachuu kan qabnu magaalaaan Waaqayyoo badhaadhummaa namaa ol ka'ee akka hin taanee dha, ha ta'uu malee tilmaamuun gati hin danda'amnee fi qulqullina fakkeenya godhata, kunnis argamuu Waaqayyooti.

## MUL'ATA : 21:22-27

**22manni qulqullummaa ishee Waaqayyo gooftaa isa hundumaa danda'uu fi hoolicha waan ta'eef, ani mana qulqullummaa tokko illee mandaratti keessatti hin argine. 23Biiftuun yookiis ji'ii mandaratti irratti ibsuun barbaachiisaa miti; ulfinni Waaqayyoo ifa ishee ti, hoolichis ibsaa ishee ti! 24Sabni ifa isheetiin in deddeebi'u, moototni biyya lafas wanta ulfina qabu isaan bira jiru gara isheetti in fidu. 25Karri ishee matumaa guyyaadhaan hin cufaman, halkan immoo achi hin jiru. 26Wanti ulfina qabeessi, wanti gati qabeessi saba biyya lafaa bira jiru, gara isheetti in fidama. 27Macaafa hoolichaa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti warri argaman duwwaa malee, wanti xuraa'aan tokko illee, warri cigaasisaa yookiis wanta sobaa hojjetan tokko illee achitti hin galan.**

**21:22 "hundumaa kan bitu Waaqayyo gooftaa fi hoolchi mana qulqullummaa sheetiwoo mana qulqullummaa ishee biratti hinagarree**." kun hedduu kan hinbaratamnee dha, mul'ata keessa kan jiran dubbifama hedduu wajin yeroo ilaalamu,achitis manni qulqullummaa kan ilaalame (3:12; 7:15; 11:1,2,9,19;14:15,17;15:56,8;16:1,17). Yaadi-rimeen walfakkaataan mana qulqullummaa waaqarraa kun macaafa Ibirootaa keessatti mul'atera (8:2-5;9:11,23-24.)

▣ **"hudumaa kan bitu Waaqayyo Gooftaa"** asittis immoo Waaqayyoof kan ta'an sadanuu baayyee kan irra deddeebi'amanmaqoonni jiru (Yaahiwwee, Eloohiim, El Shaadaay) walmakee hojirra oleera (1:8;4:8;11:17;15:316:17; mataduree addaa: maqaa Waaqayyuummaa 1:8 irratti ilaali) ulfina isaa agarsiisuuf, teessoo irra isa taa'e. Mul'ata 5 irra hoolaa jiru wajjin walitti dhufeenya dhi'enya isaa hubadhu. Walii wajjin kan isaan mo'an, teessoo tokko qofa kan jiru (22:1,3),

**21:23 “Magaalattii dhaafis ulfinni Waaqayyoo waan ibsuuf ifi ishees hoolicha waan ta’eef, Aduu ykn Ji’I akka isheef ibsan ishee hinbarbaachisu ture”** ulifina Abbaa fi Ilmaa qofa akka isheef ibsu kan barbaachisu (Far. 36:9; Isa. 24:23; 60:19-20; Zak. 14:6-7 fi dabalataanis Mul’a. 22:5). Kuni waqefannaa Urjii karaanni ittiin cimsee tuffatu kan yaadame taa’a.

**21:24 “Ormoonnis ifa isheetiin in dedebi’u, mootoonni biyya lafaas ulfina isaanii gara ishee in fidu,” hubachuuf baayyee rakisaa dha,** “Ormoota” maalif aammayyuu sichi teessoo adii irra kutaa Mul’ataa asitti eeramuu isaanii. Inni waabii kakuu moofaa ta’uu danda’a Far. 72:10-11; Isa. 49:23; 60:3,15,16. Inni akkuma jirutti miti, garuu barrefama malee! Inni saba hundumaa bakka bu’a, gosa saba hundumaa irraa, isaanis saba Waaqayyoo kan taa’ani.

**21:25 “Achi halkanni waan hin jireef balballii ishee raawwatee guyyaadhaan hin cufamu,”** kun Isa. 60:11 yookaan Zak. 14:6-7ti kan waabefatuu dha. Yaad-rimeen dukkanaa kitaaba qulqulluu keessatti yeroo hundumaa fakiduu isa hamaati (Mat. 6:23; 8:12; 22:13; 25:30). Ifaa fi dukkani keessumatti Yohaannisi fi barumsa hafuuraa faayida qabeessaa fi faallaa bakka bu’iinsaati (Yoh. 1:4-5; 7-9, 3:19-21; 8:12;1:9-10; 12:35-36, 46; 1Yoh. 1:5-7, 2:8-11). Fakkeennoon raawwatee cufamuu dhiisuu balbalichaa ifummaan isaa, argamuu, sodaan lola kamii illee jiraachuu dhabuu isaati.

**21:27 “Wanta cigaa’amaa hundumaa xura’ummaa fi soba kan godhu”** kun Isa. 52:1;Hiz. 44:9, Zakk. 14:21 kan waabefatuu dha, innis mala barreefamaa ta’ee bakka ga’umsa garagarummaa isaa kan argisiisu, saba Waaqayyootiif kan isa hamaa kan ta’an gidduutti kan jiru (lakk. 24). Barichi haaraan amala kan inni godhate ifni, magaalaa hin cufamne, tolli raawwataa ta’e magaala keessa jiruu dha. Ammaan tokko illee hin jiraatu!

▣ **“Kan hoolichaa kan ta’ee kitaaba jireenyaatti kan barreefaman”** gaaleen fakkiduu kun “kitaaba jireenyaa” dabalataan Mul. 20:12-15 irratti argama, achittis kitaabni lama kan eeraman :

1. Kitaaba jireenyaa, kunnis immoo maqaa saba Waaqayyoo kan qabuu (Bau. 32:32, Faru. 69:28, Isa. 4:3; Dan. 12:1; Luq. 10:20; Fill. 4:3; Ib. 12:23; Mul. 13:8; 17:8; 20:15; 21:27)
2. Kan gochaa yookaan kitaaba yadannoo, kunis lamanuu, isa hamaas ta’e hoji tolaa kan itti galmeefamuu (Faru. 56:8; 139:16; Isa. 65:6; Milk. 3:16).

Kun raawwatee fakkiduu yaadannoo Waaqayyooti.

## MUL’ATA 22

### MUL'ATA : 22:1-5

**1kana boodees ergamichi laga bishaan jireenyaa namaaf kennuu, isa bishaan isaa akka cabbi addaatu teessoo Waaqayyootii fi hoolichaa biraa ba’u anatti argisiise. 2Bishaanichi karaa mandarichaa walakkaa inni yaa’aa; lagichaa gamaa gamanas muka jireenya namaaf kennu tokkootu dhaabata; mukti kun waggaatti si’a kudha lama ija waan godhatuuf, ji’a ji’aan iji irraa in argama; baalli mukichaas saba biyya lafaa fayyisuudhaaf ni ta’a. 3Wanti abaaramaan mandaratti keessatti hin argamu; teessoon Waaqayyoof hoolichaa ishee keessa jira, hojjetootni isaas isaaf in hojjetu. 4Isaan fuula isaa arguuf jiru maqaan isaas adda isaanii irratti argamuuf jira. 5Halkanis deebi’ee hin argamu Waaqayyo gooftaan ifa isaanii ta’uf waan jiruf, ifni ibsaa, ifni aduus isaaniif hin barbaachisu. Isaan baraa amma bara baraatti mo’uuf jiru.**

**22:1 "Achi irraas lga bishaan jireenyaa natty argisiise."** Asitti ramaddii boqonnaa tokko iyyuu hin barbaachisu. Laga iddoo argama Waaqayyooti dhangala'u yaad-rimee waabii kakuu moofaati (Faru. 46:4, Hiz. 47:1-12, Iyu. 3:18; Zak. 14:18). Bishaani fakkiduu baratamee dha, Waaqayyo bifa irraa hafaa ta'een dheebbuu hafuuraa isaanii saba isaatiif akka kennu kan eeru (Isa, 12:3; 49:10; Erm. 2:13; 17:13; Yoh. 4:10-15; Mul. 7:17; 21:6). Yohaannis qofa jireenya (*zoē*) jechi jedhuu jireenya du'aa ka'uu eeruudhaaf.

▣ **"Akka cabbi kan addaatu"** kun qulqullumaa magaalaa Waaqayyoo argisiisa (4:6).

▣ **"Teessoo Waaqayyoof hoolichaati kan ba'uun"** teessoo tokko qofa kan jiru (21:22). Kun amala qooqa namaati, murna mana mootii baha durii irraa . Waaqayyo hafuura bara baraati, teessoo fooniitii irra in taa'u. kun fakkiduu bittaa olaantummaa isaatiti.

**22:2 "Mukti jireenyaa lagicha gamaa gamana turan"** kun muka wal fakkaataa Mul. 2:7 irratti eerameera. Kun Mul'ata guutuu Hiz. 47:1-12ti (asitti, lakk. 12). Barreeefama Apokilaptikiitiin waabiin Yihudoota heedduu ni argama, muka jireenyaaf, Uma. 2:9; 3:22 (Henook 25:2 IV Isdiris 7:53; 8:52; 2Henok 8:3). Sunis Addaam Waaqayyo irraa kan dhabee (tokkumaa, beekumsa, jireenya bara baraa), Waaqayyo amma bilisaan late, ilma namaa furameef, (Fill. 2:6).

▣ **"Ija osoo godhatuu yeroo kudha lama ija kan godhatu"** mata duree addaa: lakk. 12:7:4 irratti ilaali.

▣ **"Baalli mukichaas sabaaf fayyina ture"** kun baay'ee kan hi baratamnee dha, sababni isaa tokko iyyuu wanti fayyu waan hin hafneef! Ta'us kun Hiz. 47:12 irratti kan eeramee dha, qabatmni irra deddeebi'aan barumsa hafuuraa Waaqayyo hundumaa ("ormoota") akka fayyan hawwii isaati (Isa. 2:3-4; 45:22-25; 60:3; 66:18-19; Zakk. 2:11; 8:20-23).

**22:3 "Kana booddee abaarsi raawwatee hin ta'u."** kun Uma. 3:17 fi Zak. 14:11 kan eeruu dha. Barri haaraan dhufeera, kanaaf abaarsi kakuu moofaa (Efe. 2:15-16; Qol. 2:15) du'a Kristoosiin dhabamsiifameera (Rom. 8:18, 25; Gal. 3:13, Efe. 2:13, 16). Mul'ata irratti 4:6 of ilaallee bishaani, Waaqayyo sammuun ol kan ta'ee fakkeennoo qulqullummaati. Ilmi namaa kufe Waaqayyoti dhi'aachuu hin danda'u, amma garuu galaanichi dhabamsiifameera (21:1).

Jechi isaa jecha Ibiriitaa charam bakka bu'a, hiiki isaas kan haqamee, yookaan guutuu guutti kan haqamee dha (Zak. 14:11).kun kakuu moofaa kan waabefatuu dha, egaa lakkoofsi kun kan inni argisiisuu fayyina Yerusaalem ishee haarati, akkasumas 1Phex. 1:4-5 abdii wajjin wal fakkaataa dha.

▣ Kan gaalee kanaa kallatti se-luga hin baratamne hubadhu, teessoo tokkotu jira, garuu isa irra lamatu jira (jechuun, Waaqayyoof hoolicha). Ta'us, tajaajiloonni "isa" tajaajilu (qeenxee). Kunis kan inni argisiisu murnaa fi kan foonii (kan hafuurri foon ufachuu) dhoksaa dha. Waaqi tokko, garuu immoo Waaqummaa Masihii (fi qaama hafuura qulqulluu).

**22:4 "Isaan fuula isaa in argu"** kakuu moofaatti Waaqayyoon arguu jechuuun du'uu jechuu dha. Museen Waaqayyoon fuulaa fuulatti akka argu hin hiyyamamneef (Bau. 33:20). Waaqayyoon arguun yookaan Waaqayyoo wajjin jiraachuun baadhasa qulqulluu ta'ee dha (Faru. 11:7; 16:11; 17:5; 140:13; Mat. 5:8). Ka'umsuma irratti kan ture firoomni Heden guutuu guutuutti deebi'eera (Faru. 42:1-2)!

▣ **"Maqaan isaas adda isaani irratti ta'a"** seexani duuka buutota isaa mallattoo akka itti godhe (13:1-17; 14:9; 20:4), Waaqayyos mallattoo isaa isaan irratti godhata (3:12, 7:3, 14:1, ). Innis abbaa manuummaatii fi mallattoo fayyinaati. Mata duree addaa 7:2 irrati mata duree addaa 7:2 ilaali.

**22:5 "Kana booddee dukkanni hin ta'u"** (21:23-25; Isa. 60:19-20; Zak. 14:7).

▣ **“Baraa amma bara baraatti ni mo’.”** Mootummaa waggaa kumaatti Kristoosi wajjin kan mo’u eenyuu dhaa? Boqonnaan 20:4-5tti kan inni argisiisuu kiristaanoota, bara dhumaatti rakkina irra kan jiraatan garuu Mul. 2:20 fi 5:10 kan inni argisiisu qulqulloonni hundumtuu Kristoosi wajjin lafa irratti akka bitanii dha. Ifa kan ta’ee kan adda baasuu kitaaba qulqulluu keessa hin jiru, mooti ta’uu bara baraa (Dan. 2:44, 7:14, 18; Isa. 9:7; Luq. 1:33; 2Phx. 1:1, Mul. 11:15) gidduu fi mootii ta’uu waggaa kumaa. Haala seera hiikaatiin doktrinii inni guddaan dubbifama Apokilaptikii irraati fudhachuun sirri miti. Lakkoofsi kun mooti ta’uu kan bara baraa argisiisa.

Fakkeennoon saba Waaqayyoo weerartoota hamootu isaan mudata, innis guutuu guutuutti Waaqayyoodhaan kan haqamee kan inni fudhatamees Hiz. 37-39 dha. Yohaannis kana akkuma jirutti hiikuuf raawwatee fedhi hin qabu! Yaada barreesummaa waliin dha’uu dha, nuura Apokilaptikii gara seena-qabeessa kan hin jijjiramne (akkuma jirutti) jijjiru. Jaalala kitaaba qulqulluuf qabnuu fi waa’ee dheebbuu fuula duraaf qabnu, waldaa kristaanaa ammayyaa ishee lixaa raajiidhaaf barreefama Apokilaaptiki kan hin baratamin karaa uumama isaa dhabeen akka hiikamu godhameera! Mata duree addaa: mootummaa Waaqayyootti bituu 5:10 irratti ilaali.

## MUL'ATA :22:6

**6 Yeroo sanatti ergamichi, “dubbiin kun hundinuu amanamaa dha, dhugaas; Waaqayyo gooftaan inni hafuurota raajootni ittiin dubbatan aboomu, wanta dafee ta’uun irra jiru hojjeetoota lisaatti argisiisuudhaaf ergamaa isaa erge” nan jedhe.**

**22:6 “Naan jedhe”** kun kan inni argisiisu torbanuu xoofoo firdii ergamoota qabatanii dha (21:9; 22:1, 8, 9, 10).

▣ **“Jechooti kun kan amanamanii fi dhugaa dha”** gaalee kana ibsuuf faayidaa irra kan oole

1. Yesus (1:5; 3:7, 14; 19:11)
2. Duuka buutu Yesus (17:14)
3. Sagalee Waaqayyo (19:9; 21:5, 22;6)

Waaqayyo yeroo hundumaa kan inni ibsuu kan akka “tolaa fi dhugummaa” dha (15:3, 16:7, 19:2) Ibirootaan gaalee kana duubaan kan inni ilaaluu amanamummaa wali galaati.

▣ **“Hafuurri raajootaa Waaqayyoo Gooftaa”** kun ta’uu kan inni qabu:

1. 19:10 kan eeruu dha
2. Kakn kakuu moofaa yaada hafuuraan liqimfamuu kan waabeffatu (2Xim. 3:16, 2Phex. 1:20-21)
3. Kan kakuu haaraa yaada hafuuraan liqimfamuu kan waabeefatu (2Phex. 3:15-16)
4. Yeroo Yohaannisitti kan turan lallabdoota wangeelaa kan waabeffatu
5. Kitaaba Yohaannis (mul’ata) kan waabeffate.

Barreefamni Girkii inni jalqabaa qubee guddaa hin qabu. Yeroo hundumaa hiktoota yookiin tarreesitoota murteessuu kan qaban “hafuura” kan inni eeruu hafuura qulqulluu yookaan hafuura namaa ta’u isaa. Barreefamni kun kan inni argisiisu hafuura namaati (1Qor. 14:32, Ib. 12:9).

◘ **“Ergamaa isaa erge”** kun 1:1 kan eeuu dha. cuftuun lakkoofsa kanaa yaada isaanitti boqonnaa tokko wajjin baay’ee wal fakkaataa dha. bifa baratameen xalayaa dhuunfaa, boqonnaa 1 faayidaa irra kan oole irra deebi’ee boqonnaa 22 irratti faayidaa irra ooleera.

◘ **“Wanta dafee ta’uun irra jiraatu”** duraa fi aantee kan ta’an kan eeraan deebi’ee dhufuu gooftaa dafee ta’uu irratti jiru (1:1,3 ; 3:11; lakk. 6 [lammaffaa], 7, 10, 12 fi 20). Turuu waggaa kuma lamaa, fageenyi isaa amantootaaf hubachuun rakkisaa dha (turuun isaa 2Tas. Irratti mul’ateera), ha ta’uu malee ilaalamuu kan qabuu

tokkoon tokkoon dhalooti kiristaanaa guyyaa mataa isaatitti dhufaatti gooftaa irratti abdii qaba. Amansiisaa kan ta'ee dhibbaan kakuu haaraa jira, yeroo kamitti deebi'ee dhufuu gooftaa fi wantootni tokko tokkoo dursani ta'uu qabu kan jedhu gidduutti. Amantootni amanamtootaa fi damaqoo ta'anii argamuu qabu!

Luqisii gabaabaan jira, dhimma mata duree kanaa irratti, tarreefama koo Matihos irratti.

"Barumsa hafuuraa sababa ga'aa kan hin qabne (Paradoks) faalaan jira

1. Yeroo kamitti iyyuu deebi'uu (24:27, 44) fi tibbawwan tokko tokkoo seenaadhaan uumamuu qabu dhugaa jedhuu gidduutti
2. Mootummaan isaa akka dhufuutti fi mootummaan isaa amma

Kakuu haaraan kan inni teessisu tibbawwan tokko tokkoo deebi'ee dhufuu isaa dura akka uumamamanii dha.

1. Wangeelli addunyaa mara irratti ni lallabamaa (24:14, Mar. 12:10)
2. Ganuu guddaa (24:10-13, 21; 1Xim. 4:1; 2Xim. 3:1; 2Tas. 2:3)
3. "Nama cubbuu" mul'achuu (Dan. 7:23-26; 9:24-27; 2Tas. 2:3)
4. Inni dhorkuu dhabamsiifamuu isaa (2Tas. 2:6-7)
5. Hara'umsa Yihudootaa (Zakk. 12:10; Rom. 11)"

Kitaabichi ramaddii barreefama torbaa gidduu dhaa ifatti kan mul'ate wal cina qaba jedhani kan amanan immoo tokkoon tokkoon isaani dhufaatti Kiristoos isa duraa fi deebi'ee dhufuu isaa gidduu yeroo jiru bakka bu'a, haala ilaalcha adda addaaatiin (Fakk. Wilihem Indiriksen, warra mo'an caalaa". Kun dhugaa yoo ta'e egaa dhi'ootti deebi'ee dhufuu Kristoos barreefamni eeran (1:3; 3:11; 22:7; 10, 12, 20) raawwati raajii kanaa jalqabuu argisiisa, du'ee du'aa ka'uu Kristoos booda. Kubbaan bara dhumaa naanna'aa jira!

## MUL'ATA :22:7

**7Kunoo, ani dafee nan dhufa, namni dubbi macaafa kanaa keessatti raajii dubbatame kana eegu, attam ha gammaduu" jedhe.**

**22:7 "Kunoo dafee nan dhufa"** ergamichi walumaa gala kan inni eeruu ergamicha (lakk. 12-15). Kunis kan jedhame keesumatti Yesusiin 22:16 irratti. Lakk 17 fi 18-19 irratti eenyu sirritti akka dubbate amansiisaa miti, Yesus garuu irra deebi'ee dubbateera lakk. 20 irratti, akkasumas Yohaanni lakk. 21 irratti. Mata duree addaa: dhufaati dhi'oo 1:3 irratti ilaali.

▣ **"Inni eebbifamaa dha"** kun eebba torban keessaa isa tokko, amantootaaf, macaaficha guutuu keessatti kan argamu (1:3, 14:13, 16:15, 19:9, 20:6, 22:7, 14).

▣ **"Raajii"** macaafni kun raajii dha, kanaafis hiikamuu kan qabuu haala og-baruu raajiitiin (lakk. 9-10, 18-19; 1:3; 10:11). Kitaabni kun seenessuu seenaa miti! Raajiin yeroo hundumaa wantoota haalaa ni qabaatu. Dubbifamni bara dhumaa kakuu haaraa kan kakuu moofaa qabiyyee raajii calaqisiisa, kunis immo kan bara dhumaa waqtillee isaatti haaloota ta'aani fi deebii amantiitiin ilaala. Beektootni baay'een kan isaan amanan sharbeen Apokilaptiki kan inni guddate raajumma Yihudootaatiin. Mata duree addaa: raajii kakuu haaraa 1:3 irratti ilaali.

## MUL'ATA : 22:8-9

**8Ani Yohannis kana hundumaaa dhaga'eera, argeeras; kana dhaga'ee, argees erga ani raawwadhee, ergamaa isa kana hundumaa anatti argisiiseef sagaduudhaaf miila isaatti nan kufe. 9Inni garuu, "kana gochuun siif hin ta'u! ani sii fi obbolloota kee warra raajoota, warra dubbii macaafa kanaa eeganiifis hidhata hojii ti, Waaqayyoof sagadi!" naan jedhe.**

**22:8** kun lakkoofsa baay'ee hin baratamnee dha. kunis rakkoo walfakkaataa Yohanniisiti 19:10 irra kan jiru. Walumaa galatti inni kan yaade ergamichi Waaqa akk ata'ee dha.

**22:9 "Jecha kitaaba kanaas kan eegani wajjin"** kiristaanummaan ka'umsuma irratti kan ta'u kan qalbi jijjirannaa murtoo amantii dabalata akkasumas qalbi jijjirannaa itti fufiinsa qabu, amantii, aboomamuu, fi cimina! Mul'anni kan barreefamee Kristaanoota ari'atamaniif, ciminaa fi cimsa kan kennu. Har'a aadaa keenyaaf qoraa kan ta'ee fooniin rakkachuu miti, ha ta'uu malee "Daaniyoo gogiinsaati" miira kan hin qabne, gochaan Waaqa dhabuu, waan argamuun dhiphummaa kristaanummaa iddoo hundumaatti fayyadamuu, fi itti gaaffatamummaa dhabuu!

## MUL'ATA :22:10-11

**10 Itti dabalees, "barri kun itti raawwatamu waan dhi'aateef, dubbii macaafa kanaa keessatti raajii dubatame mallattoodhaan hin cufin! 11Inni waan jal'aa hojjetu, jal'aadhuma isaa ha hojjetu; inni xuraa'aan ittiuma of ha xurreessu; inni waan qajeelaa hojjetu qajeelaadhuma isaa ha hojjetu, inni Waaqayyoof qulqulla'ee, isumaaf ha qulqullaa'u jedhe anatti hime.**

**22:10 "Mallattoodhaan hin cufin."** Kun sirritti Isa. 8:16, Dan. 8:26 fi 12:4; 9 faallaadha. Raawwiin raajii ga'eera. Of eegachisi Waaqayyoo wara hin amaninii, fi jajjabeessuun amantootaaf amma! Murtoo isa guddaa amma gaaffateera! Mootummaan isaa dhi'aateera.

⊡ **"Barichi dhi'aateera"** mata duree addaa: dhi'ootti deebi'uu 1:3 irratti ilaali.

## MUL'ATA :22:12-13

**12Inni dhufu sun "kunoo, ani dafee nan dhufa, gati isa ani adduma addaan akka hoji isaatitti namaaf kennus fidee nan dhufa. 13Ani aalfaadha oomeegadha, isa duraati isa boodeeti, isa jalqabaati isa dhumaatis" jedhe.**

**22:11-12 "Tokkoon tokkoon akka hojii isaati akkan kennuf"** kun qabatama irra deddeebi'aadha, guutummaa kitaaba qulqulluu keessatti (Iyo. 34:11; Faru. 28:4; 62:12; Fak. 24:12; Lal. 12:14; Erm. 17:10; 32:19; Mat. 16:27; 25:31-46; Rom. 2:6; 14:12; 1Qor, 3:8, 2Qor. 5:10; Gal. 6:7-10; 2Xim. 4:14; 1Phex. 1:17; Mul. 2:23; 20:12). Waaqayo kan isa jaallataniif seera addunyaa kufee gidduutti isaaf kan jiraatan ni badhaasa (2:23; 20:12-13). Jireenyatti mul'ata, amantii keessaa dhugaa hafuuraati fi faayidaa kan qabu (Mat. 7). Namoonni kennaa jireenyaa kan nyaataniidha, akkasumas Waaqayyoof deebi laatu!

Kunis "kan hoji tola" hin ilaalatu. Mucaan namaa kan furamuu ayyaana Waaqayyootiin, du'ee du'aa ka'uu Kristoosii fi hafuura qulqulluu kadhachuu! Ta'us, isa tokkicha Waaqayyoon ragaan walitti dhufuu saa Kristoosiin fakkaachudhaan kan jijjiramee fi jireenya jijjiramaa jiruu dha! inni tokko tokkoo dursi kan itti laatamuu fi , qabeenyaa isaa kan bira ka'aatu laphee isaa mul'isa!

**22:11** kun Dan. 12:10 kan eeruu dha.

**22:12 "Dafeen dhufa"** mata duree addaa 1:3 irratti ilaali.

**22:13** lakkoofsi kun kan kakuu moofaa maqaa Yaahiwweeti, :8 fi 21:6 irratti kan argamu, ha ta'u malee asiti kan inni eeruu Kiristoosidha. Maqaa kakuu moofaa kana gara Yesusitti naanneessuu, barreesitotni kakuu haaraa Waaqummaa isaa kan ittiin cimsan karaa isa tokkoo dha. lakk. 13 kana kan fakkaatan maqaa sadii yookaan gaalee qabu, isaanis irra guddaa Waaqa bara baraa kan ibsan (Isa. 41:4; 44:6; 48:12), amma garuu Yesusiif faayiidaa irra kan oolan (1:17; 2:8).

## MUL'ATA :22:14-15

**14Warri uffata isaanii micatan ha gammadan! Isaan muka jireenya namaaf kennu bira ga'uudhaaf aboo qabu; karaa sanaanis mandarichatti ol in galu. 15Garuu warri akka saree [waan hundumaa xurreessan], warri qoricha namatti godhan, warri halaleen, warri gumaa, warri waaqayyoolli tolfaman waaqessan, warri wanta sobaa jaallatan warri hojjetanis hundumtuu alatti in hafan.**

**22:14 "ebbifamaa"** kun amantootaaf ebba torba kessaa isa dhumaati, mul'ata irratti kan argamu (1:3; 14:13;16:15;19:9;20:6;22:7,14).

▣ **"wayyaa isaanii kan miccatan"** kun fakiduu amanuti bakka bu'e araara gochuu Yesuus (7:14). Amantoonni fudhatama argataniru, inni fudhatama argachuu isaa irraa (Efe. 1:6). Amantoonni jireenyatti jiraatu, inni sababa du'a isaatiin. Amantoonni jireenya du'aa ka'uu qabu, inni waan qabaatuuf!

Barreefami girikii addaddumaa qaba,gaalee kan irratti.

1. "wayyaa isaanii kan ciicatan" MSS dha (jaarraa arfaffaa) fi (jaarrraa shanaffaa), vaageetiinis dabalatee. ℵ, dha (jaarraa afraffaa) fi (jaarraa shanaffaa), Valgeetinis dabalatee. UBS[4] sadarkaa "A" kenna, jechuun "amansiisa."
2. "Aboomi isaa kan kabajan" 046 dha, jaarraa kurnaffaa irraa MSS geengoo qubee gurguddaa, MSS qubee gurguddaa walitti gugudufaman ( 1 fi 94) jaarraa kudha lamaffaa irraa fi Peshita (kan Soriyaa) galagalcha.

▣ "**Gara muka jireenyaa ga'uuf aboo akka qabaataanbalbala isheetini magaalatti akka galan"** isaan kun fakkidu lama, Kristoosiin kan jiru fayyina bara bara. Inni tokkooffaan gara Uma. 2:9; 3:22 (Mul. 2:7; 22:2, 14, 19) deebi'ee deema, kan biraan gara Mul. 21:2 9:22:5.

**22:15 "Alatti gataman"** kun hiikuudhaaf baay'ee rakkisaadha, fakkiduu galaana abiddaa hanga hin taaneeti (21:8).

▣ **"Saroota"** kunis kan biraa fakkiduu hin baratamnee dha, sababi isaa tuqaa barreefama kanaa irratti namooti hamoo kam illee waan hin hafneef. Kes. 23:18 irratti jechi kun kan inni argisiisu sagagiloota dhiira warra Kana'aan waaqefannaa wal baayi'uuti. Kan birootiin kan kakuu moofaa fi kutaan kakuu haaraa isa kan argisiisan namoota hamoota (Faru. 22:16, 20; Mat. 7:6; fi Fill. 3:2). Tuqaa kana irratti Robert H Mo'unsiin ha eeru, tarreefama mul'ata irra jiru irraa, addeesawwan isa haaraa addunyaalessaa:

"Lakkoofsichi ejennoo bara baraatiin, magaalaa samiitiin ala namootni hamootni kam iyyuu ni jiraatu kan jedhu barnoota dabarsuudhaaf kan yaadame miti. Inni akkasumatti kan inni ibsuu Masihii dha, ilaalcha nuura amma jiruutiin. Ebbifamuu warra amanamootaa fi faallaa carraa warra hamootaa giddu kan jiru" (fuula 394).

## MUL'ATA " 22:16

**16Inni dhufu sun, "Wanti kun hundinuu waldoota kiristaanaa, akka ga'uuf, ani Yesus ergamaa koo ergee isiniif dhugaa baasiseera; Ani hidhata Daawit, sanyi isaatis, Ani bakalcha barri isa callaqisaa dha" inni jedhu.**

**22:16 "Ani Yesus Waldoota kristaanaa biratti kana dhugaa isinii baasuuf ergamaa koo erge""**isiniif" jechi jedhu kan lakkoofsa baay'ee akka ta'ee hubadhaa, akkasumas boqonnaa 2-3 waa'ee abbaa isaatis waldaan kiristaanaa kan eerame baay'ee adda ba'ee akka ta'ee hubadha. Kitaabichi kan jalqabuu fi kan xumuru shaarbee ergamootaatin, gidduu isaa kan jiru mul'ati immoo kan raajii (raawwiin isaa leensii ammaatiin ilaalama) fi kan Apokilaptikii (fakkeennoo nuuraa).

▣ **"Ergamaa koo"** kan ergu yeroo hundumaa Waaqayyo abbaadha (22:6, "ergamichi"). Asitti immoo kan erge Yesuusi dha ("ergamaa koo") gaaleen isaa immoo 1:1 irratti argama, ha ta'u malee kan itti fufuu maqa-dhaali hiiki isaa sirri kan hiin taane.

▣ **"Waldaallee kristaanaa"** mata duree addaa ilaali 1:4 irratti.

▣ **"Ani hiddaa fi sanyii Daawit,"** waabiiwwan baay'eetu jiru, sanyii Daawit kan ta'e Masihiin, kan kakuu moofaa 2Sam. 7:12-16 fi Isa. 11:1, 10) fi kakuu haaraatti (Mat. 1:1; 9:17; 15:22; 21:9; Rom. 1:3; 2Xim. 2:8, Mul. 5:5). Yesus raawwii kakuu haaraa hundumaati.

## MATA DUREE ADDAA: YESUS NAMA NAAZIREETI

Jechi Girikii adda addaa baay'een jiru, kakuu haaraan waa'ee Yesus yeroo dubbatu kan itti fayyadame.

A. Jecha kakuu haaraa
   1. Naaziret__ magaala Galiilaa (Luq. 1:26, 1:26, 2:4, 39, 51; 4:16; HoE 10:38). Magaalaan kun burqituu cinaan dhufu irratti hin eeramne, ta'us garuu barreefamoota boodaa irratti argamteeti. Yesus Naazireeti irraati jedhamuun ulfina miti (Yoha. 1:46). Fannoo Yesus irra mallattoon jiru, kunis kan maqaa bakkaa kan of keessatti qabatu, kan Yihudii mallatto tufii ture.
   2. Nazarēnos __ haala teessuma lafaa kan eeru fakkaata (Luq. 4:34, 24:19).
   3. NazÔraios __magaalatti argisiisa, garuu immoo jecha Ibirootaa "dame" galumsa MAsihii ta'a (netzer, BDB 666, Isa. 4:2; 11:1; 53:2; Erm. 23:5 (BDB 855), 33:15; Zak. 3:8, 6:12, kakuu haaraati, Mul. 22:16). Luqaas kana Yesusiif in fayyadama 18:37 fi HoE. 2:22, 3:6, 4:10, 6:14, 22:8, 24:5, 26:9 irratti.
   4. Lakk.#3 walitti dhufa nazir (BDB 634), hiiki isaas "kakaadhaan kan qulqulla'ee."

B. Itti fayyadamaa seenaa kakuu haaraan ala.
   1. Inni kan eeruu kan Yihudii (dursa- kiristaanummaa) warra faalla amantiiti (Aramiffa *nasÔrayya*).
   2. Innis hawaasa Yihudiitti faayida irra kan inni oolu Kristoositti kan hin amanne argisiisuudhaaf HoE. 24:5, 14, 28:22, nosri).
   3. Innis jecha dhaabataa ta'eera Sooriyaa kan jiran amantoota argisiisuudhaaf (Aramiffa) waldooti kiristaanaa. "Kiristaana" waldaa kiristaanaa Girikiiti faayidaa irra kan oolu amantoota argisiisuudhaaf.
   4. Yeroo ta'eetti, kufaati Yerusaaleem booda, warri Faarisootaa booda, Faarisonni Jaamiyaatti yeroo lammaffaa ijaaramanii iddoo aarsaaa fi waldaa kristaanaa gidduu garaagarummaa dhaabataa godhan. Kristaanoota mormuudhaaf kan godhaman gosa abaarsaa fakkeenya kan nu ta'uu, "eebba kudha saddeetaffaa" irratti argama, eebbifamu irraa 28b-29a, innis amantoota "warra Naazireeti" jedhee kan waamu."Warri Naazireetii fi warri faallaa amanti akuma sanaan ha badan, kitaaba jireenya irraa ni haqamu, warra amanatanii wajjin hin barreefaman."
   5. Innis Jastiin Maartyeriin fayidaa irra kan ooleera Dial. 126:1, innis kan Isaayas netzer Yesuusiif kan fayadame.

C. Yaada barresichaa

   Ani kanan ajaa'ibsifadhuu sagalicha keessa kan jiru qubee baay'ee, kunis kan hin dhaga'amnee ta'uu dhiisuu isaa yook beeke illee kakuu moofaatti kan "Iyyaassuu", Ibirootaan immoo qubeen adda addaa heedduun akka jiran. Kan akka itti fufani jiranii sirritti osoon hin beekiin akkan hafuu na godhaniiru, hiika ifaa ta'ee:
   1. "Damee" kan jedhu jecha Masihii wajjin firooma walitti dhi'oo jiru (netzer) yookaan jecha wal fakkaataa nazir (kakuudhaan kan qulqulla'ee)
   2. Kan Galiilaa hiika al –ta'aa
   3. Galillaa kan jirtu magaalaa Naziret xiqqaa yookaan ragaan ammayyaa tokko iyyuu kan hin jiree ta'uu isaa
   4. Inni kan dhufee afaan seexanaa irraati, taatee bara dhumaa irraa (jechuun, "nu balleessuu dhuftee?")

   Ramaddii jecha kanaa waabii guutuudhaan qayyabachuudhaaf, Kolin Birawun (qopheessaan), barumsa hafuuraa kakuu haaraa galmee jechoota addunyaalleessaa haaraa, jildi 2, fuula 346 yookaan Reyimond E. Birawun, Birth, fuula 209-213, 223-225.

▣ **"kan ibsus bakkalcha barii"** kun maqaa Masihiiti (Ser.Lak.24:17 ykn Mat. 2:2 ykn 2Phe.1:19). Kuns kan Isa.14:12 kan eeruudha, jechi walfakkaataan seexana kan eeru. Mul'ata irratti sadan tokkummaa isaatti tokko kan ta'e Waaqa hakeessuu dha.

## MUL'ATA :22:17

**17 Hafuurrichaa fi misirrotiin, "kotuu" in jedhuun; namni kana dhaga'uus, "Kottuu ha jedhu! Namni dheebotee haa dhufu, namni bishaan barbaaduus utuu gatii hin baasiin bishaan jireenya kennu ha fudhatu!**

**22:17 "Hafuurrichi fi misirootiin kottu jedhu."** Ammam illee dubbifamni kun hiikoota adda addaa yoo qabaatanis haala barreefamichaa irraa hubachuun akka danda'amutti kun waamicha wangeelaati, akkuma barbaachisu kan hubate hundumaaf Waaqayyo karaa Kristoos deebii hafeeraa inni godhe kan kennu. Kunnis kitaaba mul'ataatiif xiyyaafannoo ta'ee itti fufeera, warra fayyan jajjabeessu qofaaf miti, ha ta'u malee warra badan irra dadarba isaanii beeksisuudhaa fi jajjabeesuuf, Waaqayyo karaa ilma isaa kennaa bilisaa inni godhee deebii akka kennaniif. "Kottu" jechi jedhuu fayyadamni arfanuu (arfanuu hundumtuu warra badaniif kan inni argisiisu, deebi'ee dhufuu Yesuusiif osoo hin taane), "eenyu iyyuu" jechi jedhuu fayyadama irra deddeebii, baay'ee guddaa kan ta'ee oduu gammachiisaa bilisa ta'uu isaa (Isa. 55) eenyuuf iyyuu jajjabina ta'a, deebii kennuufis! Kunis anaaf kan natty fakkaatu deebii dha bara Yohaannisiti jiraachaa kan turaniif (fi guyyaa hundumaa). Kunis wantoota hin baratamne ibsa (guyyaa firdii boodakan badan jiraachuu) Mul. 19-22 irratti. Mallattoo hedduun jiru, bara Yohaannisitti, kunis wal cinaan kan ibsaman, mul'ata keessatti ramaddii barreefama torbanii gidduuti. Inni kan inni barreessee "Ijjoollee jaallatamaniif" dha, efesooniin tilamaama keessa galchuudhaan (I, II, fi III Yohaannis).

## MATA DUREE ADDAA: SADAN TOKKUMMAA

Hojiin qaamota sadan tokkummaa sadan yaadu wal qabatuun hubachuun gaariidha. Jechi "sadan tokkummaa" jedhu Macaafa Quqlulluu keessa yoo jiraachuu baate illee, yaadni isaa iddoo hundumaa jira

A. Wangeelota
   1. Mat. 3:16-17; 28:19 (fi kan kanaan wal qabatan)
   2. Yoh. 14:26
B. Hojii Ergamootaa HoE 2:32-33, 38-39
C. Phaawuloos
   1. Rom. 1:4-5; 5:1, 5; 8:1-4, 8-10
   2. 1Qor. 2:8-10; 12:4-6
   3. IIQor. 1:21; 13:14
   4. Gal. 4:4-6
   5. Efe. 1:3-14, 17; 2:18; 3:14-17; 4:4-6
   6. IITas. 2:13
   7. ITas. 1:2-5
   8. Tito. 3:4-6
D. Pheexiros 1Phex. 1:2
E. Yihudaa Lakk. 20-21

Kakuu Haaraa keessatti jechoonni baay'ina agarsiisan utuu Waaqayyoon ibsanii ni argamu.

A. Waaqayyoof jecha baay'ina agarsiisu fayydamuu
   1. Maqaan *Elohim* jedhu danuu agarsiisa, garuu yeroo Waaqayyoof gargaaru xumura qeenxee agarsiisuun hordofama.
   2. "Nu'i" Uumama 1:26-27; 3:22; 11:7 keessatti
B. Ergamaan goofitchaa bifa ittiin Waaqayyo mul'atu ture
   1. Uma. 16:7-13; 22:11-15; 31:11, 13; 48:15-16
   2. Ba'u. 3:2, 4; 13:21; 14:19
   3. Abboota firdii 2:1; 6:22-23; 13:3-22
   4. Zakaariyaas 3:1-2
C. Waaqayyoo fi Hafuurri isaa garaa gara. Uma. 1:1-2 Far. 104:30; Isa. 63:9-11; Hisq. 37:13-14
D. Waaqayyoo (YHWH) fi Masihichi (*adon*) garaa gara Far. 46:6-7; 110:1 Zak. 2:8-11; 10:9-12
E. Masihichii fi Hafuurichi garaa gara, Zak. 12:10
F. Sadan isaanii iyyuu Isa. 48:16; 61:1 keessatti caqaamaniiru.

Waaqummaan Yesuusii fi eenyummaa qabaachuun Hafuura Quqlulluu amantoota durii Waaqa tokkichatti amanuutti cichan (Monotheistic) rakkisee ture.

1. “Tertullian” - Abbaa ilma caalchisa
2. “origen” – Humna Waaqummaa ilmaa fi Hafuura Quqlulluu gdi xinneessee mul’isa
3. “Arius” – Ilmii fi Hafuurri Qulqulluun Waaqa ta’uu isanaii gana
4. “Monarchianism” Waaqayyo tokkichi tartiibaan, abbaan, ilma, Hafuura Qulqulluudhaan akka of mul’isutti amanu.

Yaadni sadan tokkummaa jedhu yeroo keessa maddoota Macaafa Qulqulluu irratti hundaa’uudhaan wanta lafa kaa’amedha.

1. Yesuus guutummaan guutuutti Waaqa ta’uun isaa fi abbaa wajjin qixa ta’uun isaa Dh.K.B 325tti walga’ii Niiqiyaatiin mirkanaa’ee fudhatame.
2. Hafuurri Quqlulluun eenyummaa mataa ofii qabaachuun isaa fi abbaa fi ilma wajjin wal qixa ta’uun isaa walga’ii konistantinopil irratti (Dh.K.B 381) mirkanaa’ee fudhatame.
3. Bu’uurri amantii sadan tokkummaa hojii Augustine “*De Triniate*” jedhamuun gutummana guutuutti ibsame.

Dhugaatti as dhoksaan tokko jira. Kakuu Haaraan garuu Waaqa tokkicha eenyummaa bara baraa sadi’iin akka dubbatu amanama.

## MUL'ATA :22:18-19

18Ani **kana kanan caafee, nama dubbii macaafa kanaa keessatti raajii dubbatame dhugaa dhaga’u, of eegachiisuudhaaf dhugaa itti ba’uuf nan jedha. Namni dubbii kanatti waa dabalee, Waaqayyo adaba isa irratti dha’icha waa’een isaanii macaafa kana keessatti caafaman isatti dabaluuf jira. 19Namni dubbii macaafa kanaa kana keessatti raajii dubbatame irraa yoo waa hir’isee immoo, Waaqayyo muka jireenya kennuu fi mandaratti qulqulluu waa’een isaanii macaafa kana keessatti caafaman keessaa qooda isaa hir’isuuf jira.**

**22:18-19** lakkoofsoti ku ifatti kan wajjin deeman ergaan dhageefatoota jalqabaa wajjin, ta’es kan duratti kitaabicha dubbisan/dhageefatoota. Innis kan baratame shaakala barreefama kakuu moofaati, of eegachiisa jabaa kaa’uun, sagalee Waaqayyoo jijjiruudhaaf kan qoraman (Kes. 4:2, 12:32). Kana jechuun akkuma jirutti fudhatama jechuu miti, ha ta’uu malee inni kan warra bahaa ibsa gura-guddistuu heedduu dha, ergaa Waaqayyoo kan jijjiran. Amanaan kun hiiktoota yookaas barreesitoota hin ilaalatu qajeelummaadhaan kadhachuu fi fedhii Waaqayyoo kan barbaadan, ha ta’u malee akka Herini’usitti yoo ta’ee, faallaa amantii mormuudhaan 30:12 inni kan inni argiisisuu barsiisota sobduu dha, isaanis qulqulluu sagalee isaa irratti kan dabalan, kan jijjiran yookaan kan haqan, kunis kan dubbifama kanaa wanta guddaa kan ta’e. nutty lakkoofsa tokkitti illee mudoo baasuudhaaf akka hin dandeenyee hubadhaa, doktiriini keenya hundeesuuf jennee, kunnis sagalee qulqulluu isaa kan biro wajjin barnoota ifa ta’ee wajjin kan mormu.

▣ **“Akka—akka”** isaan kun lamaan hima haalaa ramaddii sadaffaa dha, gocha cimaa kan ibsan.

## MUL'ATA 22:20

**20 Inni wanta kana hundumaa dhugaa baasisees, “Ha ta’u! Ani dafee nan dhufa in jedha. Amen kottuu gooftaa Yesus!**

**22:20 “Dafeen dhufa”** raawwiin akka tasaa, firdiif dhufuun Waaqayyoo amala og=baruu Yihudii fi Apokilaptikiin kristaanootaa. Kun qabatama wal fakkaataadha Mat. 13:34-36, 24:43, 25:1-13, Luq. 12:29, 1Tas. 5:2, 4, 2Phex. 3:10 irratti argama. Waggaa kuma lama turuun isaa illee kana hubachuu kan qabduu haala argamuutiin, bifa yerootiin osoo hin taane. In dhufa! Qophaa’oo ta’aati taa’a! mata duree addaa 1:3 ilaali.

▣ **“Yaa Gooftaa Yesus, kottu”** kun gaalee Aramayik maranaataa dha(1Qor. 16:22). Kana karaa baay’eedhaan hikuun in danda’ama:

1. Maranatha yoo ta'e, egaa"gooftaan keenya dhufeera" dha
2. Marana  tha yoo ta'ee, egaa "yaa gooftaa keenyaa kottu!" dha

Lakkoofsi 1 qabiyyee kanaaf akka ta'utti simata. Didache 10:6 irraa akka hubanuutti waaqeffannaa ittiin cufuu dha, tajaajila hirbaata gooftaaf, yeroo Yohaannisiti.

## Mata duree addaa: Maranata

Gaaleenn Araaiinyaa kunni, innis waldaa kiristaanaa Filisxeemoota durii xin-waaqummaa dhoksaa qulqullootaa kan mirkaneessu (1) Waaqummaa Yesus (Faarf 110) yookaan (2)Deebi'ee dhufuu Yesus (Hoji.erg. 3:19-21). Hiikii isaas kan murtaa'uu tokko akkam ta'ee jechicha akka qoqodee dha.

1. "Gooftaa keenyaa, kottu" (jechuun, *marana-tha*) gaalee hiikaa xiyaafataa wal fakkaataa dha, Mul'ata 22:20 irratti. Kanaafiis hookoonni baay'een hiika sana asittis in fudhatu. Akkana yoo ta'ee, egaa nni ta'uu kan danda'uu kadhata deebii Yesusiti.
2. Gooftaan keenyaa dhufeera, (jechuun *maran-atha*) kan araaminyaa kan xumuramee ta'a. kun hiika Chrysostom (345-407 bara haraarati) kan filatuu waa'ee Yesusi fi fooni foon uffachuu (dubbachuu isaati).
3. "Gooftaan in dhufa" callaqisiisuu kan danda'uu kan Hibirootaa raajii xumuramee dha, innis fayyadama irra kan oolu baay'een Kristaanaa fi tajaajila yaada ka'umsa godhatee wan tilmaamuuf. Deebi'ee dhufuun isaa amantoota bara baay'ee turan yeroo hundumaa jajjabina ta'aaf.
4. *Didache* (jaarraa 1tti dhumma irratti yookaan jaraa lamattti kan barrefamee dha) 10:6 isumaa kana gaalee wal fakkaata irbaata gooftaa qabiyyee barreefamaati fayyadama, achitis kan Yesus yeroodhan argamuu isaatii fi bara raawwii dhufuu dhufaati isaa lamanuu kadhataan cimsa itti kennama.

## MUL'ATA 22:21

**21Ayyaani gooftaa Yesuus hundumaa wajjin ha ta'u Ameen.**

**22:21** "Ayyaana gooftaa keenya Yesus Kristos" sabaa wajjin ha ta'u kan jedhu, guduunfaa dhugaatiif kan dhi'aatee rakkina irra kan turaniif bara kristaanootaati, akkasumas tokkoon tokkoon abdii dhaloota kristaanaatiif ta'uu isaa hubadhu!

### GAAFFILEE MAREE

Kun qajeelfama hiika qayyabannaa yeroo ta'uu, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaa keetti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi'uutu nurra jira. Hitkoonni jalqabaa sii, kitaaba qulqulluu fi hafuuraa qulqulluu dha. Kana deebiiftee hiIka irratti jechama biraan akka hin fudhanne.

Gaaffileen mare kun kan isaan kennaman dhimma gurguddaa kutaa kitaaba kanaa akka ta'utti akka ati qayyabatuu fi hubatuu dha. Kana jechuunis akka ta'utti akka ati xiinxal;tu si kakaasuuf malee kana qofatti akka daangeefamtu miti.

1. Amantootni gara mootummaa Waaqayyoo ni deemu moo yookiis mootummaan Waaqayyoo gara lafa qulqulloofteeti dhuftii?
2. Mul'ata 21:3 "Amaanu'el" jecha jedhu wajjin akkamitti walitti dhufuu?
3. Yerusaaleem ishee haaraatti maaliif manni qulqullummaa hin jiraatuu (21:22)?
4. 21:24 irratti namoonni eeraman eenyufaadhaa?
5. Amantootni sagalee raajii kana akkamiti "eeguu/xiyyaafatani qabatuu (22:7)?
6. Kun mootummaa Waaqayyoo yoo ta'ee, magaalatti ala kan jiran hammooni eenyuufaadha, 22:15 irratti?
7. 22:17 maaliif baay'ee barbaachiisaa ta'ee?
8. 22:18-19 akkuma jirutti kan fudhatamuudhaa? Mul'ata waliin dha'ee kan hike amanaan fayyina isaa/ishee ni dhabaa?
9. Boqonnaa 22 irratti yeroo sadii "ani dafee nan dhufa" jedha, (lakk. 7, 12, 20). Maaliif waggaa 2000 ta'ee?

# HAFAA TOKKO
## Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii

Ibsa bal'aa jechoota seerluga Giriikii Konee Giriik, Helenstiik Giriik jechuun beekamu, bara injifannoo Aleksaander Ze gireet (336-323 D.K) qabee hanga waggaa dhibba saddeti (300 D.K-D.B 500)ti afaan biyyoota naannoo galaana Meeditaraaniyaana ture. Afaan Giriik isa salphaa osoo hin taanee, afaan Giriik bifa haaraa ka'ee afaan lammataa addunyaa Meeditaraaniyaanaa fib aha dhiyoo ta'eti.

Kakuu Harawaa addadha sababnis itti fayyadamtoonni Luqaasin barreessaa Ibrootaan alatti, hundi afaan Aramaanaa akka jalqabaatti fayyadamu. Kanaaf barruunsaanii akka dubbii fi caasaa afaan Aramaan cunqurfama isaanumtu moo Septuagint (hiikkaa Kakuu Moofaa Giriik) afaan giriik barreeffame waan dubbisaniif ni waraabbatu ture. Garuu Septuagint hayyoota yihudaan afaan dhaloota Giriik hin qabneen barreeffame.

Kunis Kakuu Harawaa gara caasaa Seerlugaatti akka nutti cimsinee hin dhiibne nu yaadachiisa. Adda ta'ees wanni inni qixxeetti qabu (1) Septuagint (2) barruu yihudootaa kan akka Yoseef; fi (3) Paapirasa Misiritti argameedha. Eegasuu akkamitti xinxala Kakuu Haarawaati dhiyaachuun danda'amaa?

Haalli seerluga konini Giriikaa fi Kakuu haarawaa koyiha Giriikii dhagalaasadha. Yerichi yeroo seerluga salphisan ture. Yaadatu nu hoggana. Jechoonni yaada dheeraa keessatti hiikkaa argatu, kanaaf, seerrilugni kan hubatamu ifaa (1) biddiqa barreessa adda fi (2) yaada adda keessattidha. Hiikkaan xumuraa caasaa fi bifa Giriik tokkoyyu hin danda'amu.

Afaan koyine Giriik afaan dubbiiti. Ijoon hiikkaadhaa gosaa fi bifa dubbiiti. Gaalee heddu keessatti gochimni dursee dhufeeti, caalmaasaa agarsiisa. Gochima Giriik xinxaluuf odeeffannoon maddee sadii hubatamu qaban (1) xiyyeeffannoon henna, sagalee fi muudii (ta'insa ykn mortoolojii); (2) hiikkaa bu'uuraa gochimaa (lexicography) fi (3) dhangalaasa yaadaa (syntax)

I. HENNAA
   A. Hennaa ykn haalli walitti dhufeenya gochimaa sadarkaa gocha guutuu ykn hin guunneeti ilaala.
      1. Hennaa sirraa'aa mudata gocha irratti xiyyeeffata. Odeeffanno dabalataa hin kennu. Egalli, itti fufinsii ykn fiixee hin beekkamu.
      2. Hennaan hin sirraaiin itti fufinsa gochaa irratti xiyyeeffata gocha cinaa, gocha turti, gochi tarkaanfii jechuun ibsamuu ni danda'a.
   B. Hennaan akkaataa barreessaan gochoota ittin ilaaluun kurfeessuun ni danda'ama
      1. ta'eera = AORIST
      2. ta'eera fi jiraa = PERFECT
      3. ta'ee ture fi jiraa, garuu amma miti = PLUPERFECT
      4. ta'aatti jira = PRESENT
      5. ta'eetti jira = IMPERFECT
      6. ta'uutti jira = FUTURE

Fakkeenyi qabatamaa akkatti hennaan kun hiikkaa keessatti fayyadu kan agarsiisu jecha "fayyina" jedhudha Henna gara garaa keessatti deemsaa fi fixee agarsiisa.
      1. AORIST – "fayyeera" (Rom 8:24)
      2. PERFECT – "fayyeera fi fayyuutti jiraa" (Efs 2:5-8)
      3. PRESENT – "fayyaatti jira" (1Qor 1:18; 15:2)
      4. FUTURE – "fayyaatti jira" (Rom 5:9, 10; 10:9)
   C. Hennaa gochimarratti xiyyeeffachuun hiiktooni sababa filannoo barreessan ittin of ibsuu barbaade kaa'u. Sadarkaan henna "maxxarri hin qabne" AORIST dha. Gochima idilee "hin addoomne" in mallattoomne" ykn "hin tuqamne"dha. Bifa hedduun faayidaa kennuu ni danda'a. Wanni tokkoo ta'uusaa qofa kaa'a. Haalli darbe muudii agarsiisaa keessatti qofa yaalama. Yoo

hennaan kan biroo kan fayyadu jiraata, wanni addaa ta'eef xiyyeeffannoon kennama. Garuu maal?

1. Hennaa sirraa'aa kun gocha xumuramee bu'aa amma waliin jiru kan agarsiisudha. Karaa ta'een moo walmakoo AORIST fi HENNAA AMMAAti. Xiyyeen bu'aa jiraa sanidha ykn xumura gochichaati. Fkn Efs 2:5 fi 8, "fayyiteeta, fayyinni kees itti fufeera"
2. PLUPERFECT HENNAA TENSE
   Sirraa'aa ta'eeti bu'aan garuu dhaabbateera. Fkn "Pheexroos ala balbalarra dhaabbatee ture" (Yoh 18:16)
3. HENNA AMMAA (PRESENT TENSE) Kuni gochaa hin sirraa'iin ykn hin xumuramiin dubbata. Xiyyeeffanni itti fufinsa ta'aati. Fkn "kan isaan qabame cubbamuutti hin fufu" "Eenyullee isaan dhalate cubbamuutti hin fufu (1Yoh 3:6 fi)
4. HENNAA HINSIRRAA'IIN (IMPERFECT TENSE) walitti dhufeenyi henna jiru moggoyina sababaan adda bahudha. Hin sirraa'iin kan dubbatu gocha hin xumuramne ture amma garuu dhaabbate ykn jalqabnisa darbeerudha. Fkn: "Yeruusaalem hundi garasaa dhufaa turani" ykn "Yeruusaalemoonni cufti garasaa dhaqaa turan" (Matt 3:5)
5. HENNAA TA'ATU (FUTURE TENSE) kun gocha fulduratti ta'uuf yeroo qabatee jirudha. Kan xiyyeeffatu moo gocha ta'uuf jiru irratti odoo hin taane humna ta'iinsa irrattidha. Mirkana ta'iicha haasa'a. Fkn "Warrii eebbifaman … ni …" (Matt 5:4-9)

II. SAGALEE

A. Sagaleen walitti dhufeenya gocha gochimaa fi abhimaa gidduu jiru ibsa.

B. Sagaleen si'ayina, abbaan himaa gocha gochimaan hojjetuu kan mirkansu karaa idilee, eeggamaa fi cicha hin qabnedha.

C. Sagaleen al si'ayinaa jechuun ab himaa gocha gochima nama alaan hojjetame yeroo fudhatudha. Namni alaa gocha kana godhu Kakuu Harawaa keessatti kan tuqame yoo ta'u durgala fi sababa armaan gadiini.

1. bak bu'aa kallatti dhuunfaa hupo, sababa ABLATIVE wajjiin (Matt 1:22; HoE 22:30)
2. bak bu'aa giddu deemaa dhuunfaa dia sababa ABLATIVE wajjin (Matt 1:22)
3. bak bu'aa namaa ala eru sababa meeshaalee wajjin
4. yeroo garii bak bu'aa nama ykn namaa ala ta'a sababa meeshaalee qofaan.

D. Sagalee gidduu jechuun abi himaa gocha gochimaa hoomishun darbees irratti hirmaachuun beekkama. Fedhi dhuunfaa alfagoo jedhame yaamama. Ijaarsi kun ab himaa ykn ab hirkatoo(clause) muldhisa. Ijaarsi akkanaa Infiliffa keessa hin jiru. Giriik keessatti carraa hiikkaa fi jijjiirraa bal'oo qaba. Fknaaf

1. (REFLEXIVE) – gocha kallattiin abbaan ofirratti godhu fin "of fannies" (Matt 27:5)
2. (INTENSIVE) – ab himaa gocha ofii jedhe uume. Fkn "seeyxanni ofiisaa akka ergama abbaa ifaatti of fakkeesse of dhiyeesse) 2Qor 11:14)
3. Gargalcha (PRECPROCAL) – haasawa walii ab himaa lameen gidduu fkn "walii walii agarsani (Matt 26:4)

III. MUUDII (ykn MODE)

A. Koniye Giriik keessatti moodii afurtu jira. Walitti dhufeenya gochimni dhugaa jirutti qaba agarsiisu, yoo xiqaate sammu barreessaa keessatti. Muudiin ramaddi guddaa lamatti qooddamu: isa dhugaa agarsiisu (AGARSIISAA) fi isa humna ta'insa agarsiisu (SUBJUNCTIVE, IMPERATVE, fi OPTATIVE)

B. Muudiin AGARSIISAA muudii qixaa gocha ta'ee jiru kan agarsiisudha. Ykn yoo xiqqaate yaada barreessaa keessati ta'aa jiru kan agarsiisudha. Muudii Giriik qofatu yeroo sirrii agarsiisa, inni kun ykn sadarkaa lammataati.

C. Muddiin (subjunctive mood) gocha fulduratti feetu ta'uu danda'u ibsa. Hanga ammaa waan hin taane garuu moo ta'uudhaaf kan carraa qabudha. Agarsiisa (Inductive mood) wajjin walfakkeenya ni qaba. Garaagarten jiru (subjucive) shakki hanga tokko waan qabudha. Afaan Ingili keessatti isaan kun jechoota akka "could" "would" "may" ykn "might" jedhuun ibsama.

D. Muudi (OPTATIVE MOOD) kun fedhii manaamaan ta'uu danda'u kan ibsudha. (subjunctive) caala dhugaarraa sadarkaa tokko fagaata. (Optative) ta'u danda'uu kana hala amuraasa jala kaa'a.

(optaive) Kakuu Haarawaa keessatti baayye xiqqoodha. Itti fayyadamnisaas gaalee jecha Phaawuloos "gonkumaa ta'uu hin danda'u) jedhu yeroo kudha shan itti gargaaramedha. (Rom 3:4, 6, 31; 6:2, 15; 7:7, 13; 9:14; 11:1; 1Qor 6:15; Gal 2:17; 3:21; 6:14). Fkn birooon Tas 1:38; 20:16, HoE 8:20, fi 1Tas 3:11 keessattidha.

E. Muudii (IMPERATIVE Mood) Fedha isa dubbatu irratti hunda'auun ajaja godhamuu danda'uu kan cimsudha. Filannoo Ormaa irratti hundaa'eet gocha qofa mirkaneessa. Kadhataa fi gaaffii nama sada keessatti itti fayyadama (imperative) addaatu jira. Ajajni kunis henna (Aorist) fi ammaa (present) Kakuu Haarawaa keessatti qofa argama.

F. Seerlugni garii (participle) akka garee muudii tokkootti ni ilaalu. Kakuu Harawaa Giriik keessatti beekkamaadha akka (verbal adjuctive) ti fudhatamas. Gochima itti jiran wajjin walitti fudhamaniitu hiikkamu. Karaa hedduudhaan isaan hiikuunis ni danda'ama. Hiikka afaan Ingili hedduu ilaalunis gaariidhaa. Tahe bible ni Twenty Six Translation jedhu Bakeerin bareeffame asitti ni gargaara.

G. Aorist active indicative wanna ta'e tokko homaa utuu itti hin dabaliin qixumaan karaa itti galmaa'udha. Hennaan biroo, sagaleen wanna barreessichu dubbisuu barbaadu ibsa addaa qabu.

IV. Name afaan Giriik wajjiin wal hin beekneef gargaartuun qo'annoo itti aanee jiru odeeffanno barbaachisaa ni eknnaaf

A. Firberg, Baarbaaraa fi Ximooty, Analayitical Giriik New Testament, Grand Rapid: Baker 1988
B. Marshall, Alfred, Interlinear Greek-English New Testament, Grand Rapids: Zondervan, 1976
C. Mounce, William D. The Analytical Lexicon to the Greek New Testament. Grand Rapids: Zondervan 1993
D. Summers, Ray Essentials of New Testament Greek, Nashville: Broad man 1950
E. Barnoonni halaalaa fudhatamoo qabu kan afaan Giriikii Dhaabbata Moody Bible Institute jedhu Chikaagooti argachuun ni danda'ama.

## V. MAQOONNI

A. Maqoonni akk sababaan qooddamu. Sababni moo gosa maqaa walitti dhufeenya gochimaa fi qaama himaa hafetti qabu kan agarsiisudha. Afaan koyinee Giriik keessatti faayidaan sababa kanaa durgaaleen ibsamu. Egaa gosti sababaa kun walitti dhufeenya gara garaa agarsiisuu danda'ani, durgaalli kunneen faayidaa kanatti addaan baatee ifa ta'e ni agarsiisu.

B. Sababaan Giriik garee saddeet itti aanee jiruutti qooddamu

1. Sababa (Nominative case) maqaa baasuuf kan fayyadu ta'eet abbaa himaa ykn abbaa dha. Darbe maqaa predicate nouns fi "to be" ykn "become" wajjin hojjeta.
2. Sababa (Genitive case) ibse kennuuf fayyada ykn jechicha irratti sadarkaa qulqullinaa kennuun ni firoomsa. Gaaffii "gosa kam?" jedhuuf deebii ni kenna. Yeroo baayyee durgaale afaan Ingili "of" jedhuun ibsama.
3. Sababa (ablative case) bifuma (gentive) ta'eeti, garuu addaan bahiinsa agarsiisa. Kunis addaan bahinsa waan ta'ee yeroodhaan, iddoodhaan, maddaan, uumamaaan, ykn sadarkaadhaan. Durgaala afaan Ingili "from" jedhuun ibsama.
4. Sababa (dative case) fedhii dhuunfaa agarsiisuuf fayyada. Kun haala gaarii ykn bitaa agarsiisu danda'a. Kun waan harka naannessaan godhamedha. Dugraala afaan Giriik "to" beekkama.
5. Sababa (locative case) Bifuma (dative case) Bifuma 9dative) dha. Sadarkaa ykn iddoo Yeroodhaan iddoodhaan, daanya sirriin agarsiisa. Durgala afaan Ingili "in, on, at, among, during, by, upon, fi beside" jedhaniin ibsama.
6. Sababa (instrumental case) Bifuma (dative) fi (locative) dha. Fala ykn hidhata kan agarsiisudha. Durgala afaan Ingili "by" "with" ibsama.

7. Sababa (accusative case) xumura gochaa agarsiisuuf fayyada. Daangeeffamas ni agarsiisa. Faayidaansaa guddaan wanna kallattiin ta'edha. Gaaffii "akkamitti" ykn "hanga kamitti?" jedhuuf deebii ni kenna.
8. Sababa (vocative case) kallattiin gahuu agarsiisa.

**VI. Walitti Gudunfituu fi Qabsiisee**

A. Afaan Giriik sababa gudunfituu hedduu qabuuf afaan murteessaadha. Ilaalcha ( hima fi buufata ) gudunfu. Hafuunsaanii barbaachisummaasaanii godhe fi kallatti ilaalcha barreessaa wanna inni qunnamu barbaadu murteessuuf barbaachisoodha.

B. Amma asitti hiikkaan walittiqabsiiftuu fi walitti guduunfituu tarreeffameera (odeeffannoon kun kitaaba Amanual Grammar of the Greek New Testament jedhu, H.E.Daanaa fi Julins K. Maanteyesin barreeffame irraati.

1. Gudunfituu yeroo
   a. epei, epeide, hopote, hos, hote, hotan (subj) – "yoom"
   b. hoes – "wayita"
   c. hotan, epan (dhim) – "yoomiyyuu"
   d. hoes, achri, mechri 9dhin) – "hanga"
   e. priv (infin) – "dura
   f. hos – "egaa" "yoom" "akka"
2. Gudunfituu amansiistuu(logical)
   a. akeeka
      (1) *hina* (dhim), hopos (dhima), hos – 'sun akka ta'uuf' "sun"
      (2) *hoste* (articular accusative infinitive) "sun"
      (3) *pros* (articular accusative infinitive, kan dhuma hin qabne) ykn eis articular accusative infinitive "sun"
   b. firii (bifa seerluga akeekaa fi firii giddii walitti, dhiyeenyi jira
      (1) hima (hin lakka'amu, beekkama) – "akka sanitti" "kanaaf"
      (2) hima (dhim) – "sanaafu"
      (3) *ara* – "egaahoo"
   c. Sababa
      (1) *gar* (sababa/ firii ykn sababa/xumura) – "fi" "sababa"
      (2) *dioti*, hotiy – "sabab"
      (3) *epei*, epeide, hos – "eega"
      (4) *dia* (accusative wajjin) fi (articular dhuma hin qabne wajjiin) "sababa"
   d. goolabbii
      (1) *era*, poinun, hoste – "kanaafuu"
      (2) *dio* (waliingaa goolabbi jabaa) "kanarratti" "eessarratti" "kanaafu"
      (3) *oun* – "Kanaafuu" "egaa" "achii" "itti aanee"
      (4) *tanoun* – "akka kanatti"
   e. faallina ykn fuggina
      (1) *alla* (faallina jabaa) – "garuu" "malee"
      (2) *de* – "garuu "haata'uti" "ammalle" "gama biraan"
      (3) *kai* – "garuu"
      (4) *mentoi*, *oun* – "haa ta'utii"
      (5) *plen* – "yoo kan malee" (keessattu Luqaas keessatti
      (6) *oun* – "haa ta'uuti"
   f. morkii
      (1) hos, kattios (gaalima morkii beeksisu)
      (2) kata (jech tishoo, katto, kathoti, kathosper, kathaper
      (3) *hosos* (Ibroota keessa)
      (4) *e* – "achii"

g. fulla'iina ykn fufina
   (1) *de* – "fi" "amma"
   (2) *kai* – "fi"
   (3) *tei* – "fi
   (4) *hina*, oun – "sun"
   (5) *oun* – "achi" (yohaannis keessatti)

3. fayyadama xiyyeeffannoo
   a. *alla* –
   b. *ara* – "dhugaati"
   c. *gar* – "garu dhugaati," dhugaatti
   d. *de* – "dhugaatti"
   e. *ean* – yoo dhibe
   f. *kai* – "yoo dhibe" "dhugaati" "dhugumati"
   g. *mentoi* – "dhugaatti"
   h. *oun* – "dhugumatti" 'waan hundatti"

VII. Hima Haalaa

A. Hima haalaa jechuun gaalima hirkataa tokkoo fi tokkoon ol kan qabatedha. Caasni seerluga kanaa hiikkaa ni gargaara. Sababnisaas haala, sababa ykn ka'umsa gochaa gochimaa itti ta'uu fi ta'uu dhabuu ni agarsiisa. Gosti haallimaa afuurtu jira. Dhugaa kallatti barreessichaan jiru irraa gara hawwitti jiru qofatti dhiibee geessa.

B. Haallima sadarkaa duraa gocha ibsame ykn gama barreessaan dhugaadha jedhame tilmaamamu ykn akeeka isaaf "yoo" dhaan ibsama. Qabiyye heddu keessatti "eega" jedhame hiikkama (Matt 4:3; Rom 8:31) Haa ta'uuti, kun jechuun sadarkaan duraa gara dhuugaatti jiru jechu miti. Irra deddeebia'nii qabxii agarsiisuuf ykn faallaa tuqatuuf fayyadu (Matt 12:27)

C. Haallima sadarkaa lammata "dhugaatti fuggina" jedhama. Waan dhugaa hin ta'iin agarsiisa. Fkn
   1. "yoo dhugumatti inni raajii ta'e, mitiif malee, waa'ee dubartii isatti maxxantee amalaa fi eenyummaa ni beeka ture. Garuu hin beekne." (Tes 7:39)
   2. "yoo dhugumatti Muusee amantan, silaa hin gootani, ana amantani, hin goone" (Yoh 5:46)
   3. Osoon ammallee namootatti gammachiisuuf yaala ta'ee, hin gooneef malee, tajaajilaa Kiristoos isaan amma ta'e kana hin t'auun ture" (Gal 1:10)

D. Sadarkaan sada gocha fulduratti ta'uu danda'u ni dubbata. Carraa ta'uu danda'uu tilmaamsa. Waan akka carraatti ta'e agarsiisa. Gochi gochima muummee gaallima "yoo" keessatti gochichaaf carraa ta'a. Fkn 1Yoh keessaa 1:6-10, 2:4, 6, 9, 15, 20, 21, 24, 29, 3:21; 4:20; 5:14, 16

E. Sadarkaan afra carraa ta'uu danda'uu irra haqamaadha. Kakuu Haarawaa keessatti ni xiqqaata. Akka carraa ta'ee, Haallimni sadarkaa afra guutuun haalli itti lameen qaamni himaa hiika kennan hin jiru. Fkn sadarkaa afra gaallima baniinsaa 1Phex 3:14ti. Fkn sadarkaa afra gadima xumuraa HoE 8:31.

VIII. DHORKAA

A. Present imperative meparticli gocha ta'aa jiru dhaabuuf xiyyeeffanno godha. Fkn "duurooma lafarratti kuufachuu hin yaaliinaa…" (Matt 6:19) "waa'ee jireenya keesanii yaaduu dhaabaa…" (Matt 6:13) "Nafa qaama keessanii meeshaa cubbuu gootanii dabarsitanii hin kenninaa…" Rom 6;13" Afuura Qulqulluu Waaqayyo hin arrabsinaa…" (Efs 4:30) "dhuganii machaahu dhaabaa…" (5:18)

B. Aorist subjunctive imperative meparticle wajjin moo "gochuu hin eegalin ykn hin jalqabin" kan jedhu qaba. Fkn muraasni "Tilmaamu hin eegaliin…" (Matt 5:17) "hin shakkinaa… (6:31) "hin qanaaftani… (2Xim 1:8)

C. Double negative moodii subjunctive wajjin bitaatadha "gonkuma, yomumaa" ykn "haaluma kamiinuu" fkn "bara baraan hin du'u" (Yoh 8:51) "matuma ani" (1Qor 8:13)

IX. Maqmaxxan

A. Afaan kooyinu Giriik keessatti maqmaxxan murtaa'aa "the" faayida afaan Ingilin walfakkaatu qaba. Faayidaan guddaa "agarsiisumma" gara jechaa, maqaa ykn gaalee ni qaba. Kakuu Haarawaa keessatti tajaajillisaa abbaarraa abbaati gargaridha. Maqmaxxan murta'o dabale kan fayyadu.

1. akka meeshaa fugginaa akka maqdhaal eertuu.
2. matiima ykn nama dursee beeksifame akka mallattooti agarsiisu
3. matiima hima keessa jiru gochima karaatti adda baasanidha. Fkn Waaqayyo afuuradha" (Yoh 4:24) "Waaqayyo ifadha" 1Yoh 1:5 "Waaqayyo jaalaladha." 4:8,16.

B. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingili maqmaxxan 'a" fi "an" hin qabu. Dhabamuun maqmaxxan jechuun

1. Xiyyeeffanno amala ykn sadarkaa waan ta'e
2. xiyyeeffannoo garee waan ta'ee jechuudha.

C. Hanguma fayyadama maqmaxxana barreessitonni Kakuu haarawaa gargari

X. Kakuu Haarawaa Giriik keessatti karaa itti xiyyeeffanno agarsiisan

A. Kakuu Haarawaa keessatti teekinikni ittin xiyyeeffannoo agarsiisan barreessa irra barreessatti gargar. Barreessitoonni qixaa fi idileedhaan Luqaasii fi barreessaa Ibrootaati.

B. Aorist active indicative sadarkaa fi xiyyeeffannoo hin mallatta'in ta'uu dursee ibsameera, garuu hennaan kanuu, sagaleen

Ykn muudiin barbaachisummaa hiikkaa ni qaban. Kun jechuun Aorist active indicative n miira caasluuga barbaachisau keessatti hin fayyadu jechu miti. Fkn Rom 6:10 (si'a lama)

C. Tartii jechaa afaan kooyinee Giriik keessatti

1. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingili hirkataa miti kanaafuu, tartiiba barreessaan waa agarsiisuuf ni jijjiira
   a. waan barreessaan dubbistootatti agarsiisu barbaaduuf
   b. waan barreessichi dubbistoota ni ajaa'ibsiisa jedhe yaade
   c. waan barreessichi hedduu itti dhagahame.
2. Dhimmii tartiiba jechoota afaan Giriik ammalle hin tasgabbaa'in jira. Haa ta'u kan amma jiru
   a. gochima liqimsaaf
      (1) gochima
      (2) matiima
      (3) complementii
   b. Gochimaaf
      (1) gochima
      (2) matiima
      (3) aantima
      (4) aantimeen
      (5) Durgaala gaalee
   c. Maqaadhaaf
      (1) maqaa
      (2) kan haaromsan
      (3) durgalee guutoo
3. Tartiibni jechoota qabxii baayyee barbaachisaadha. Fkn
   a. "anaa fi Barnaabaasiitti akka duuka buutuutti harka nutti kennatan" (Gal 2:9) Gaaliin "harka mirgaa" duuka buutu jedhu barbaachisummaa agarsiisutti baqaqsuufi dursu ni danda'ama.
   b. "Kiristoos wajjin" (Gal 2:20) dura buufameera. Duuti isaa giddu galeessa.
   c. "Karaa heddu kuta kutaan ture" (Ibr 1:1) dura buufameera. Sunis akkaataa itti Waaqayyo ofiisaa of agarsiisu barbaade malee mul'ata miti.

D. Akkuma beekkamu xiqqooshee xiyyeeffannoon kenname
   1. irra deddeebi'iin maqdhaal inni dursee gochima keessa jiru fkn ani mataan koo, isin wajjin … (Matt 28:20)
   2. Dhabama qirqaabaa, ykn jechonni qabsiistu biroo, gaaleen, gaallima ykn himaa dhabamudha. Kun kan hin qabamne jedhama. Wanni walqabsiisu waan eeggamuuf dhabamuunsaa qalbi hawwata. Fkn.
      a. warra eebbifamoo (Matt 5:3 xiyye kenneef)
      b. Yohaannis 14:1 (mataduree haarawaa)
      c. Roomee 9:1 (kutaa haarawaa)
      d. 2Qor 12:20 (xiyyee kenneefira)
   3. Yaada kenname keessatti irra deddeebi'ii jechootaa fi gaalee fkn "ulfina galatasaaf" (Efs 1:6, 12 fi 14). Gaaleen kun hojii sadacha tokkoon tokkoo agarsiisa.
   4. Itti fayyadamni akka dubbii ykn jechaa (sagalee dubbii gidduuti. Shoora taphata.
      a. Euphemisis jechuun jechoota safuu akka "ciisee" bakka buusa, du'aa gochuu (Yoh 11:11-14) ykn "miila" qaama dhiiraa (Rut 3:7-8, 1Sam 24:3)
      b. Circumlocution immoo jechoota maqaa Waaqayyoo kan akka "Mootummaa Waaqayyoo" (Matt 3:21) ykn "sagalee jannataa" (Matt 3:17) bakka bu'a.
      c. Fakk dubbii
         (1) jaja hin taane (Matt 3:9, 5:29-30; 19:24)
         (2) himootarratti laafaa ta'a. (Matt 3:5; HoE 2:36)
         (3) namoomsa (1Qor 15:55)
         (4) cigoo (Gal 5:12)
         (5) dubbisa walaloo (Fil 2:6-11)
         (6) sagalee jechoota giddu taphatu
            a. "waldaa"
               i. waldaa (Efs 3:21)
               ii. yaamicha (Efs 4:1;4)
               iii. yaamame (Efs 4:1,4)
            b. "walaba"
               i. dubartii walaba (Gal 4:31)
               ii. bilisumma" Gal 5:1
               iii. walaba Gal 5:1
            c. Akka dubbii – afaan aadaa ta'ee addumma kan qabu
               (1) itti fayyadama fakki "soora" (Yoh 4:31-34)
               (2) itti fayyadama fakki "mana sagadaa" Yoh 2:19; Matt 26:61)
               (3) akka dubbii Ibrtootaa "jibba" (Uma 29:31; Deb 21:15, Tes 14:36 Yoh 12:25; Rom 9:13)
               (4) "Hunda" fi "baayye" Isa 53:6 (hunda) fi 53:11 fi 12 (baayyee) jechoonni moggoyina akka Rom 5:18 fi 19 agarsiisa.
   5. Gaalee luugaa guutuu bikka jechaatti fayyadamuu. Fkn "Yesuus Kiristoos gooftaa"
   6. Faayidaa addaa autos
      a. Yeroo maqmaxxan wajjinii "sanuma" hiikkama
      b. Yeroo al maqmaxxan wajjinii akka ti hiikkama "isa mataasaa' "isii mataasii" ykn "isa mataasa"

E. Bartoonni Kitaaba Qulqulluu afaan Giriikiin ala dubbisan karaa heddu xiyyeeffannoo adda baafachuu ni danda'a.
   1. Ittifayyadamani xinxalli galmee jechootaa barruu afaan Giriiki fi afaan Ingili
   2. kallatti tiyoorii hiikkaan, hiikkaa afaan Ingili walbira qabani ilaaluu. Fkn "jechaa jechatti" morkuu (KJV, NKJV, ASV NASB, RSV, NRSV) fi "gita addaan" wajjin (Wiiliyaam, NIV

NEB, REB, JB, NJB, TIV). Asitti kan gargaaru. "The Bible in Twent- six Translation" jedhu Baker maxxanfame heddu ni gargaara.

3. Ittifayyadama "The Emphasized Bible, Yoseef Biriyaant Rooterhaamiin (Kregel, 1994) maxxanfame.
4. Ittifayyadama hiikkaa barreeffamaa
   a. The Ameerikaan Istaandaard Vershiin 1901
   b. Yaangis Litiraal Traansileeshion of Baayible, Roobert Yaangin (Gaardiyaan Pireesin 1976) maxxanfame.

Seerluga qo'achuun nuffisiisa ta'uullee hiikkaaf ni barbaachisa. Ibsi hiikkaan, qeeqnii fi fkn kunneen nama afaan Giriikii ala dubbisuuf jajjabainaa fi hidhachiisaaf akka toluufidha. Ibsi kunneen garmalee salphifamaniiru. Akka hubana tolaa Kakuu Haarawaa ta'utti malee, cichummaa fi garfiixummaa agarsiisu miti. Ibsi kunneen dubbistoonni darbanii ibsaa fi qeeqaa Kakuu Haarawaa biroo ilaaluu akka danda'an akka gargaaru abdiidha.

Hiikkaa keenya odeeffannoo Kitaaba Qulqullu keessa jiru irratti hundee godhachuun ibsuu danda'uu qabna. Seerlugni wantoota nama gargaaran keessaa tokko; wantoonni biroo yoomessa seenaa, yaada barruu, itti fayyadama jechoota fi dubbisa cinaayina dabalata.

# HAFAA LAMMATAA
## QEEQA QABIYYEERRAA

Dhimmi kun yaada qabiyyee ibsituu kan keessa jiru irratti ibsa kenna. Wanna aanee tarreeffame jiru irratti dhimmama.

I. Madda KITAABA QULQULLUU afaan Ingili
   A. Kakuu Moofaa
   B. Kakuu Harawaa
II. Ibsa ballaa rakkooleefi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn qeeqa qabiyyee" jedhamee yaamamu.
III. Madda dubbisaa gadfagoo jedhamanii yaadamaniidha.

I. Qabiyyee KITAABA QULQULLUU afaan Ingili
   A. Kakuu Moofaa
      1. Barruu Masoreetik (BM) Baruun dubbifamaa afaan Ibrootaa bara 100 DB barsiisa Aquibaan bahe. Achii booda qabxiin dubbachiiftuu, loqodaa, qabxii moggee, Auqaaleeniifi kkf D.B jaarraa jahaa keessa itti dabalamuu eegalan, DB jaarraa sagla keessa xumura argatan. Kunis maatii yihudootaa Masoreetik jedhamaniin hojjetame. Bifti barruu isaan fayyadaman isa Mishnaati, Taalmud, Taargums, Peeshittaafi Kugeet wajjin walfakkaata.
      2. Septuagitnt (LXX) Akka afoolaatti Septuagint hayyoota yihudii 70n guyyoota 70 keessatti tolfame jedhama; kunis deggersa mootii pitoolmii 2ta (285-246 KD) jedhamuu mana kitaaba Aleeksaanderiyaaf qophaahe jedhama. Akka hiikamu kana gaafates hogganaa yihudoota Aleeksaandara jiraatuunidha. Afoolli kun "Xalayaa Arizteez" irra dhufe. LXX kun isa barsiisaa Aquibaa (BM) itti fayyadamuun adda kan ta'e barruu Ibroota biro irratti hundaa'e.
      3. Maroo Deed sii (MDS) –Maroon Deed sii foxxoqxoota garee yihudaa Roomaa jiraatanii "Eseensi" jedhamanii dhaloota Kiristoos dura (200 Kd – Db 70) barreeffame. Barreeffamoonni Ibrootaa, magaalootaa naannoo galaana Deed Sii heddu keessatti ni argamu, lameen BM fi LXX duubatti barruu Ibrootaa addaa akka jiru ni agarsiisu.
      4. Fkn muraasni hiiktoonni akka Kakuu Moofaa walbira qabanii ilaaluu danda'an gargaaraniiru.

         a. LXX hiiktootaafi hayyoota akka BM hubatan gargaara.
            (1) LXXn Isa 52:14 "akka baayyonni itti dinqaman"
            (2) BMn Isa 52:14 "akka hayyoonni sitti gammadan"
            (3) Isa 52:14 keessatti bakmaqaa LXX mirkanaaheera
               a) LXX "sabni baayyeen itti dinqamu"
               b) BM "Saba baayyetti ifa calaqqisa."
         b. MDS hiiktonnii fi hayyoonni akka BM hubatan gargaareera
            (1) MDS Isa 21:8 "Achi raajichi ni iyyee, kaabii dallaa ani irra dhaabadherraa
            (2) BM Isa 21: "ani akka leencaattin bookkise! Gooftaa koo, ani yoo mara saafaadhaan kaabii dallaarra baheen dhaapha.
         c. Lameen LXX fi MDS akka Isa 53:11 ibsuuf gargaaraniiru.
            (1) LXX fi MDS "ciiniinsuu ruhii saan booda ifa ni arga, gammachuus ni quufa."
            (2) BM "ciiniinsuu lubbuusaa… ni arga, ni gammadas"
   B. Kakuu Haarawaa
      1. Barreeffamni Kakuu Haarawaa afaan Giriik 5,300 ol ta'an guutuutti ykn muraasni ammallee ni jiran. Gara 85 kan ta'u Paapirus irratti barrreeffameera, barreeffamni 268 ni qubee gurgudda (uncials) kan barreeffamaniidha. Booda keessa jaarraa sagala (D.B) barruun buraaqxuu (minuscule) barreeffamtee baate. Barruun Giriiki gara 2,700 ta'u bifa barreeffamaan jira. Kooppii gara 2,100 kan ta'uu kan yeroo Waaqeffannaaf tajaajilan lekshinaarii jedhaman tarreeffamaan ni jira.

2. Barreeffamni Giriik Paapirus irratti barreeffame Kakuu Haarawaa muraasa qabateeru gara 85 ta'an golwaa durii keessa kaa'amnii jiru. Gariini jarraa lamma D.B kan qaban yoo ta'u irra guddeessi jaarraa sada fi afra DB ta'uun irra jira. MSS kana keessaa kan guutummaa Kakuu Haarawaa qabateeru hin jiru. Sababa garagalcha moofaa Kakuu haarawaa ta'aniifu garaagarummaa muraasa ni qabu jechuu miti. Garagalchi baayyeen battaluma tajaajilaaf tolfamani. Of eeggannoon adeemsicha keessatti hin godhamne. Kanaafuu garaagartee heddu ni qabu.
3. Barruun harkaa Sinaatikus, qubee Ibrootaa Xn (alpha) ykn (10)n beekkamu, Tisheendiroofin gadaamii St Kaateriin, tullu Sinaay irra jiru keessatti kaa'ameera. Barrisa jaarraa afra Db yoo ta'u lameen Kakuu Moofaafi Kakuu Harawaa kan LXX qabatee jira. Gosa "barruu Aleksaandiraa" ti.
4. Barruun harkaa Aleeksaandiriinus, akka "A" ykn (02) ti beekkamu, barruu Giriik jaarraa shana, biyya Misirii Aleeksaandiraatti argama.
5. Barruun harkaa vaatikaans, akka "B"ti ykn (03) ti beekkamu, mana kitaaba Vaatikaan, Roomitti argama. Bara giddu gala jaarraa afra Db qaba. Lamee Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa Giriik, isa LXX qabateera. Gosa barruu "Aleeksaandiraa"ti.
6. Barruu harkaa Efreemii, akka "C" ykn (04)ti beekkamu, barruu Giriikii jaarraa shana yoo ta'u walakkaan badeera.
7. Barruu harkaa Beezaa, akka "D" ykn (05)ti beekkamu, baruu Giriik jaarraa shana ykn jahati. Bakka bu'aa muummee isa "Western text" jedhamuuti wanna dabalataa hedduu qaba, hiikkaa kingi Jamsiif raga afaan Giriikiiti.
8. Kakuu Harawaa MSS garee sadiiti ykn afur kwarra amala walirraa qooddatanitti hirama.
   a. Barruu Aleeksaandiraa, Misraa irraa
      (1) $P^{75}$, $p^{66}$ (Db 200), wangeela galmeesse qaba
      (2) $P^{46}$ (gara Db 225) ergaa Phaawuloos galmeesse qaba
      (3) $P^{72}$ (gara Db 225-250) ergaa Pheexroosii fi Yihudaa galmeesse qaba
      (4) Barru harkaa B, Vaatikaan jedhamu (gara Db 325) Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa qaba
      (5) Barru kanarra Origen waraabe
      (6) Gosa barruu kanaa kan agarsiisu MSS biro X, C, L, W, 33
   b. Barruu warra Dhihaa Afrikaa Kaabaarra
      (1) Waraabbi jaarsolii waldaa Afrikaa Kaabaa, Xeertuliyaa, qoophiroos fi hiikka moofaa Laatinii.
      (2) Waraabbii Iraantoa
      (3) Waraabbii hiikka moofaa Siiriyaa fi Taatiyaa
      (4) Kodeex D "Beezaa" barru kana hordofa.
   c. Barruu Beezaantaayin bahaa, konistaantinoopilirra
      (1) gosti barruu kanaa %80 oli MSSota 5,300 irratti calaqqiseera.
      (2) Abbooti waldaa Antsokiya, Sooriyaan tuqame, kaappadoshiiya kirisoostoom fi Teroodoreef.
      (3) Kodeeksi A. wangeela keessatti qofa.
      (4) Kodeeksi B (jaarraa saddeeti) guutuu Kakuu Harawaaf
   d. Gosti afra "Qeesaariffa" Filisxeema'rraa
      (1) dursee Maarqoos keessatti mul'ate.
      (2) P45 fi W ragaalee muraasa.

II. Rakkoolee fi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn "qeeqa barruu"
   A.
   1. Akkamitti garaagarteen dhalatee

a. libsuu ijaa yommuu garagalcha hakraa jechoota lama wal fakkaatan fi waan giddu jiran guutummaati hambisuu (homoioteleuton)
   (1) libsuu ijaan qubee dacha jechoota ykn gaalee (haplography)
   (2) Libsuu sammuun irra deebii gaaleykn toora barruu Giriikii (dittography)
b. Libsuu gurraa hogguu dhaggeeffataa barreessan qubee dogoggoruu (itacims)
c. Barruun Giriiki ganamaa boqonna,a hiramsa lakkoofsaa, tuqaalee, hirmasa jechoota gidduu hin qabu ture. Jechoota iddo adda addaati hiikka kennuu danda'anitti hiruun ni danda'ama.

2. ? Itti yaadamee
   a. haala seerlugasaa fooyyeessuuf jijjiirraan godhameeru
   b. barruulee Kitaaba Qulqulluu biro wajjiin walitti dhiyeessuuf jijjiramni godhameera. (harmonization of parallels)
   c. dubbisa adda addaa lamaa ykn sana ol yaada dheeraa tokkotti deebisuuf jijjiirraan godhame. (conflation)
   d. rakkoo barruu keessatti mul'ate sirreessuuf jijjiiramni godhame (1Qor 11:27 fi 1Yoh 5:7-8)
   e. odeeffannoon dabalataa yoomeessa seenaa ykn hiikkaa sirrii barruudhaaf moggaarra kaa'amee isa biroon iddo biro kaa'amera. (Yoh 5:4)

B. Qeeqi barruu bu'uuraa (hogguu garaa garteen dhalatu qajeelfama murtoo loojikaa barruu ka'umsaa)
   1. kan walxaxaa ykn seerulga hin baramne isa ka'umsaa ta'u
   2. barruun gabaabaa feetu isa ka'umsaa ta'u
   3. barruun dulloomaa ulfina qaba. Sababa itti dhiyeenya isa ka'umsaaf qabuun, kan hafe walqixuma.
   4. MSS teessumaan adda addaa dubbisa ka'umsaa qabu
   5. Barruun doktirinaan dadhabaa, keessattu mariix inamantii muummee jijjiirama yeroo sanaa ta'an, kan akka sadacha 1Yoh 5:7-8, ni filatamu.
   6. barruu garaa gartee warra kaanii caalatti kan ibsu
   7. waraabbi lameen garaa gartee dhalate madaalli agarsiisu.
      a. Kitaaba 1. Harooldi Giriinleesi, Introduction to New Testament Textual Criticism"
      "Doktirinni kiristaanaa kamuu barru mormisiisaa irratti hin rarra'u, bartoonni Kakuu Harawaa baruunsaanii sirrii fi qixaan ta'uu beekuu fedhuun waan jiraadha" 9ful 68)
      b. Kitaabni W.A Kiriisweel, The Brmingham News jedhu (kiriisweel) inni jechi Kitaabni Qulqulluu hundi akka afuurahuun ta'e hin amanu, "hiikkaa jaarraa keessa yoo xiqqaate jechi hiiktoota hammayyaa kun hunda miti" jedha Kirisweel.

Kirisweel akki jedhu "ani guddoo qeeqa barruutti nin amana. Akkuma kana; boqonnaan 16 Maarqoos walakkaan xumuraa barumsa dogoggoraa dha; afuurahun miti, kan walqabate miti … hogguu barruwwan sana morkiftan, kan akka xumura Maarqoos hin jiru. Abbaan ta'e itti dabalee…"

Paatriyaarki SBC kan inni himatu" itti makoon" Yohaannis 5 keessatti, hojii Kiristoos Beetesaayidaaf ragaadha. Akkasumas lameen hojii of dhabamsiisa yihudaa (Matt 27 fi HOE 1) ni marsiisa. "ilaalcha addaa of wareegati" akka Kiriisweelti" yoo Kitaaba Qulqulluu keessaa ta'e, ibsa ni qabaata. Lameen of wareega yihudaa Kitaaba Qulqulluu keessa ni jira" Kirisweel kan dabale, "Qeeqni barruudhaa Saayinsii bareedaadha. Waan yeroo gabaabaa miti, waan kabaja hin qabnedha. Addaafi giddu…"

III. Rakkoolee Barruudha (Qeeqa barreeffamaa)

A. Dubbifata dabalaaf
   1. Biblical crtiticism: Historical, Literary and Textual, by R. H Harrison
   2. The Text of the New Testament: Its Transmisiionk corruption and restoration by Bruce M. Mefzger
   3. Introduction to New Testament Textual Criticism, by J. H Greenlee.

# HAFAA SADAFFAA
## HIIKA JECHOOTAA

**Addoption(Mucummaa).** Kun ilaalcha duraan ture yeroo ta'u, Yesus Waaqayyummaa wajjin walitti dhufeenya qabu dha'a. yaadi isaa inni jalqabaa kan bu'ureeffattu Yesuus karaa kamiinuu nama yeroo ta'u mucummaa kan argate Waaqayyoon karaa bifa kan biraatiin jechuunis cuubaadhaan (Mat 3:17 Marq 1:1) yookiin (Rom 1:14) irratti bu'uureeffatee kan ilaalameedhaan. Yesuus kara bifa fakkeenyaa ta'een karaa kanaan akka jiraatte Waaqayyos karaa ta'umsa tokko tokkootiin ( cuubaadhaa fi du'aa ka'uumsaan) ilma mataa isaa akka ta'eef (Rom 1:14 Filp 2:9) haala ilaallateen ni agarsiisa. Beeksisni amantii kun jaarra 8 tti kan ture ilaalcha waldalee kiristaanaa warra xiqqataa kan ture dha. Waaqni nama ta'e (the incarnation) agarsiisuu manna garagalche namni akkamiin akka Waaqa akka ta'e agarsiisa.

Waaqa kan ta'e Yesus Ilmi, Waaqayyummaa duraan ture jireenya fakkeenyummaa jiraachuu isaatiin Waaqayyo hulfina laateef jechuun jechaan ibsuuf ni rakkisa. Inni durumaanuu Waaqayyo erga ta'e akkamiin hulfina badhaafamaa? Innis hulfina Waaqayyummaa duraan durse jiru utuu qabuu akkmiin ulfinni dabalataa kennamaaf? Dhugumaan kana irra ga'uudhaaf nu rakkisa. Jechuunis Abbaan Yesuusiin bifa adda ta'een fedhii abbaa isaa raawwachuudhaan ulfaachuu isaa agarsiisuudhaaf ta'a.

**Alexsanderya scholl (Barsiisa Aleksaanderiyaa).** Hiiki Macaafa Qulqulluu gosa akkasii Aleksanderiya Gibxiitti jaarraa 2 tti kan jalqabameedha. Bu'uura kan taasifates qajeelfama hiika kan Fiiloo yeroo ta'u duuka buutuu isaa kan ta'e kan Plaatoo fayyadama. Mala fakkeenyummaas jedhamuudhaan beekama. Hanga bara haarominaattis waldaa kiristaanaatti itti hojjetamaa tureera. Beektonni hiikichaas Origeni fi Awugistiin. Ibsa dabalataatiif macaafa Moises Siliva, *waldaan kiristaanaa Macaafa Qulqulluu dogoggorsitee hiikteetti ta'innaa?* Isa jedhu dubbisi ( bara harraaraa 1987)

**Alexandrinus** (**Aleksaanderinus).** Kun jaarraa 5 Aleksaanderiyaatti kan argame barreeffama arkaan barreeffame yeroo ta'u, keessa issatti Kakuu Moofaa, Kan mullata(Apocrypha) fi Kakuu Haaraa harka heedduu kan of keessatti kan haammatedha. Barreeffamichi hiikaa Kakuu Haaraa kan Giriikii kan ilaallateen kan caqasamu isa olaanaadha. (Maatewoos, Yohaannis, 2Qorontoos kutaa tokko tokkoottii kan fhafe) kitaabni kun maqaan isaa addaa "A" kan jedhamee fi barreeffamin kan biraa barreffamni kan Vatikan maqaan isaa addaa "B" kan jedhame. Dubbisa irratti yeroo walii galu karaa beektota Kitaaba Qulqulluu sirna seer lugaa keessatti akka isa bakka guddaa qabu taasifamanii fudhatamu.

**Allegory (carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu).** Hiiki Kitaaba Quluqulluu gosa akkasii jalqaba kan babbal'ate Aleksaanderiyaa amantii Yihudotaatiin. Iddoo olaanaa qabataa kan dhufe Fiiloo Alksaanderichaatiin. Fedhiin bu'uura amantii isaa caaffanno Qulqullaa'oon akkuma akka amantii namaa fi falaasamatti seeraatti fiduudhaan yoomessa seena qabeessa Kitaaba Qulqulluu (yeroo fi bakka) qabiyyee hoog baruu dhiisuudhaan. Caaffata Qulqullaa'oo keessatti hiika dhokataa argaman qoruu irratti xiyyeeffata. Yesuus Wangeela Maateewoos 13 irratti akkasumas Phaawuluus Galaatiyaa 4 irraatti dhugaa ibsuudhaaf fakkeenya jarri itti fayyadaman ni agarsiisa garuu kun bifa fakkeenyaa kan qabuu utuu hin ta'in bifa hoog barruu kan qabateedha.

**Analytical lexicon (Xiinxallii tarreeffama jechhootaa)** Kun tooftaa qo'annoo isa tokko yeroo ta'u tarreeffama jechoota Giriikii Kakuu Haaraa keessatti argaman addaan baasuuf gargaara. Tartiiba qubee qubee afaan Giriikii irratti hundaa'uun boocaa fi hiika isa olaana kan qabatedha. Amantoota afaan Giriikii hin dubbifneef hiika addaa waliin qabsiisee kaa'uudhaan seerluga Kakuu Haaraa keessatti afaan Giriikiitiin jiruuf tarreeffama hoogbarruu hubachuuf dandeessisa.

**Analogy of scripture(Walfakkeenya caaffata qulqullaa'oo)** Himin kun hubachiisuuf kan inni barbaadu guutumma Kitaaba Qulqulluu sagalee Waaqayyoo akka ta'ee fi waliin kan mormu osoo

hin taane wal deeggaruuf akka ta'e hubachiisuudhaaf. Haalaan kan qindaa'e dhiyeessi akkasii sagalicha haala bu'uura ta'een walitti dhiyeessuun kaa'uudhaan kuta Kitaaba Qulqulluu hiika.

**Ambiguity (waan hiika tokko caalaa qabaatee karaa gara garaatiin hiikamu hiiki isaas shakkisiisaa ta'e).** Kun kan inni agarsiisu hiika shakki qabeessa kan qaban kuusaa barreeffamootaa yeroo ta'u hiika lamaa fi isaa ol yommuu qabaatu yookiin lamaa fi isaa ol kan ta'an tibba tokkicha caqasuudhaaf kan mudatudha. Yohaannis ta'e jedhee tooftaa kanatti fayyadameera.

**Anthropomorphic ()** hiiki gosa akkasii ilma namaa wajjin kan walqabate kan agarsiisu yeroo ta'u jechi isaa inni hundeen afaanii kan amantii Waaqayyo wajjin kan qabu walitti dhufeenya. Jechi isaa inni jalqabaa kan dhufe kan Girikii irraa dhufe yeroo ta'u ilma namaa jechuudha. Hiiki isaa nuyi waa'ee Waaqayyo kan dubbannu loqoda kan namummaa jechudhaa. Haala Waaqayyo bifa hawwaasumaatiin jechoota xiin sammuutiin ilmaan namootaa waliin (Seera Umamaa 38, 1Mototaa 29: 19-23) akka barreesse isa dubbate jechuudhaa. Dhugumaan kun walfakkeenya qofaadha. Sanas ta'e kana ilmaan namootaa malee itti dhimma b a'uuf akka danddeenyu gareen yookiin jechi hin jiru. Kanaafuu beekumsi nuyi waa'ee Waaqayyoo qabnu dhugaa irratti hundaa'ee muurtaa'ina akka qabu agarsiisa.

**Antiochian school (barumsisa Antsokotaa).** Malli hiika Macaafa Qulqulluu gosni akkasii warraa Asoorotaa kan ta'an Antsookotaan jaarraa 3tti kan baballate yeroo ta'u, mala fakkeenyumma isa kan warra Antsookotaatiin kan wal falleessudha. Bu'uurri amantii isaas seenaa hiika kan seenaa isa kan Kitaaba Quqlqulluu irratti xiyyeeffata. Kitaaba Qulqulluu akkuma hogbarru isa kan ilma namaatti hiika. Barsiifni kun Kiristoos amala lama qaba isa jedhu barsiisa Nisxirichaa fi yookiin amala tokko qaba (waaqa guutuu fi nama guutuu) barnoota jedhuu gidduutti walii galtee dhabuu isa ka'e keessa galee akka ture ni beekama. Booda waldaa kiristaanaa Roomaan akka barumsa dogoggoraatti waan fudhatameef gara Persiyaatti yeroo demee lamma ijaaramuudhaaf yoo yaalames ejjennoo gaarii kan ta'e utuu hin qabaatin hafeera. Qajeelfamni hiika bu'uuraa garu hiika kan seera qabu akka ta'uudhaaf Luterii fi Kalviiniif geggeessitoota haaromsaa (reformation) faayidaa irra ooluu danda'eera.

**Antithetical (kan faallaa).** Kun sadii keessaa gosa isa tokko kan ibsu mala kan barreeffamaa yeroo ta'u himoonni kan Ibrootaa karaa dubbii dacha kan walitti firooman agarsiisa. Hiikin isaanii kan walitti hindhufne hidd dubbii dacha walitti firoma isanii agarsiisaa. (Fak 10:1, 15:1)

**Apocalyptic litireture.**( hoogbarruu kan mullataa) kun harka caalaan karaa bifa adda ta'een gosa hogbarruu kan Yihuudotaati. Barreeffamni icciti gosa akkasii kan amma amma taasifamuudha. Qabiyyeen barreffamichaas Waaqayyo biyya lafaa akka uume guutummaan isees kan isaa akka taate furuu akka danda'u agarsiisee Israa'eeliidhaaf kaayyoo adda ta'e akka akka qabaatuu fi isheedhaaf akka of eeggatu agarsiisa. Hogbarrichi moo'ichu inni dhumaa kan argamu hirree Waaqayyo akka ta'e cimsee dubbata.

Barreeffamichi baay'ee kan fakkenyaan guutamee tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e jechoota iccitiitu isatti baay'ata. Yeroo baay'ee dhugaa halluudhaan, lakkoofsotaan, haala tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e, karaa ergamoota giddugaleessa godhateen, karaa jecha dhokattaatiin kan mul'atu ta'ee yeroo baay'ee hamaa fi gaarii gidduudhaan akka karaa billaa qarlamaa addaan hiree darba.

Gosi fakkeenyota kanaa tokko tokko tokko Kakuu Moofaa Ezk boqonnaa 36-48, Dan boqonnaa 7-12, Zakriyaasii fi Kakuu Haaraa immoo Mat 24; Mar 13; 2Tesl 2 fi Mullata Yohaannis irratti.

**Apologist (apologetics). (dhiifama gaafachuu)** kun hundeen jecha Grikii "ittisa seera qabeessa"kan jedhudha. Barumsa kan Kitaaba Qulqulluu keessaa kutaa barumsaa keessaa isa tokko yeroo ta'u amantii kiristaanaatiif walmorkiif ragaa ta'a.

**Prior (isa duraa).** Jechi sun duraan kan ittiin adeemsifame itti galiinsaa wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qabudha. Akkaataan yaadii isaa karaan itti deeme duraan dursee kan ba'nii fi hiika fudhannee, qajeelfamoota, yookiis ejjennoowwan hundaa'uudhaan akka dhugaatti fudhachuudhaan itti fufuudha. Qorannoo dabalataa kamiinuu maleedhaa fi ibsa malee kan fudhannu jechuudha.

**Arianism**. (**Ariyoosummaa).** Ariyoos Aleksaanderyaa Gibxitti waldaa kiristaanaa Presbiterianiitt jaarraa 3 fi 4tti kan turedha. Jabeessee kan ittiin morku Fak 8:22-31 irra jecha jiru yeroo ta'u, Yesuus duraanuu akka ture yoo fudhates Waaqayyummaa isaa ganeera. (Abbaa wajjin wal qixxaachuun irra hin jiru jedha) Phaaphaasii Alksaanderiyaa irraa mormiin kan isa mudate yeroo ta'u kuns bara haraaraa 318 kaasee walmorkii waggoota heedduudhaaf turedha. Ariyoosummaan keessumaayyuu bu'uura amantii waldaa kiristaanaa kan ba'aa ta'ee fudhatamee ture. Bara haraaraa 325tti beektonni Niqiyaatti walitti qabaman Ariyoosiin ifatanii walqixxummaa Waaqayyummaa Ilmaa cimsaniiru.

**Aristotle**. (Aristootilii). Falaasa Girikii ishee durii yeeroo ta'u baratаa Platoo fi Barsiisaa Elekisaanderi isa guddichaati ti. Dhiibbaan isaa amma ammaatti qo'annoo ammayyaa fi barsiisa irratti kan jabaatedha. Sababni kun itti ta'es hubbannaa fi mala barsiisaa karaa qabateen xiyyeefannoo waan kenneedhaaf. Kunis mala qo'annoo saaynsii isa tokko akka ta'e ni beekama.

**Autographs**. Kun mogaafama barreeffamoota Kitaaba Qulqulluu warren jalqabaatiif kan keennameedha.Barreeffamoonnii jalqabaa haraakaan barreeffaman kun guutummaa guututti badaniiru.Kan amma jiran warrabbilee waraabbilee qofaadha.Kunis qabiyyeen barreeffamoota kanaa kuniif qooqa Ibraayisxii fi kan Grikii gidduutti garaagarummaa akka uumamu taasiiseera.

**Bezae.** Kun jaarraa 6tti keessa kan ture barreeffama qooqa Griikii fi laatiiniiti. Mallattoo "D" kan jedhu yoo qabaatu, Wangeeloota, hojii ergamootaa fi walii gala ergaa tokko tokko o kan of keessaa qabuudha.Kana malees barreeffamoota hedduu garaa garaa kan of keessaa qabuudha.Kitaabaa Qulqulluu Afaan Ingliizii King James jedhu kessattii hammatamuu waan qabaniif bu'uura kaa'eera.Yookiinis akka ka'umsaatti garagaarera.

**Bias** (**gama tokkoof looguu).** Jechii kun kan inni agarsiisuu,waan tokko irratti ykn Ilaalcha jalqaba ture irratti loogii ykn yaada hin sochoone qabaachuudha.Sammuun waanta tokkoon kan qabame yoo ta'e loogii taasiisuun isaa kan hin oollee ta'uu issaa nutty agarsiisa. murtii miciirama jalqaba sammuu keessa ture kan agarsiisuudha.

**Biblilical Authority**.(Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu), Jechii kun karaa adda ta'een faayidaa irra kan ooluudha.Kana jechuunis barreessaan inni jalqabaa, baraa isaatti maal jechuu akka fedheefii amma bara keenyatti haala akkamiitiiin hojii irra oolchuu akka dandeenyu isa jiru kan haammateedha. Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu kan inni agarasiisu Kitaaba Qulqulluu mataa isaa qofa abbaa aangoo keenya inni ta'e kan agrasiisudha.Kan ta'e ta'ee faalamnii hiikaa akka hin uumamneef hiika Kitaaba Qulqulluu karaa seena hordoofufii seer-luga karaa hordoofen qofa murteessuun ni gaha.

**Canon**. Heera.Jechii kun barrefamoota afuuraa ti jedhamanii kan itti amanaman ibsuuf kan itti dhimma bahameedha. Kunis barreeffamoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa lammanuu ilaalchisee kan itti dhimma bahameedha.

**Christocentric** (**Giddugaleeffama Kiristoos)**. Jechii kun kan inni itti gargaarame Yesuusiin gidduu gala ta'u isaa agarsiisuufidha.Jecha kana kan ani itti fayyadame guutummaa Kitaaba Qulqulluu keessatti yaada gooftummaa Yesuusii waliin walitti qabsisee agarssiisuufanidha.Kakuun Moofaan garaa isaatti kan xiyyeeffatee agarssisuudha.Inniis xumura jecha isaa fi galmaasaati.(Matt 5:17-48 Ilaalii) .

**Commentary. (**Hiika Ibsituu).Kun Macaafa qo'annoo adda ta'eedha.Barreefamoota Kitaaba Qulqulluu ta'aniif seena duda dubaa bu'ura ta'e kan keenudha.Eegaa kutaa macaafichaa tokkoon tokkoon isaa ibsuuf kan yaaluudha.Tokkoo tokko haala raawwiitti hiilamuusaa irraati kan xiyyeeffatanu yammuu ta'anu, kaan ammo haala teekniikaa barreeffamichaa irratti xiyyeefatu.Kitaabooleen ibsituu akkasii kunneen baayyee fayida qabeessa. Haa ta'u malee garuu, isaanii duraa , namni qo'atu sun qo'annoo mataa isaa gaggeessuun isa irra ni eegama.Macaafooleen ibsituuwwaan kanneen kana namni fudhachuu dandda'u kan isaaf ta'u gadi fageenyaan qo'atee ta'uu qaba.Kanaafis ibsituwwaan adda addaa eejjeennoo barnoota kitaaba Qulqulluu adda addaa waliin madaalee ilaalutu filatamaadha.

**Concordance**.Kuusaa jechootaa, Kun Meeshaa kitaaba Qulqulluu qo'achuuf gargaaruu keessa isa tokkoodha. Jechoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessa jiran tartiibaan kan

tarreessaniidha.Karaa hedduudha garagaarsa ni godha.(1) jechoota afaan Inglizii tokkoon tokkoon isaanii afaan Ibrayixii fi Griikii wal bira qabee maal jechuu akka ta'an kan agarsiisuudha. (2) Buufata waliin ilaluudhaan gosa tokko kan ta'an jechii Ibraayisxii fi Griikii hojii irra ooluusaanii hubachuuf dandessisa.(3) Jechootni lama kan Ibraysxii ykn kan Griikii hiika walfakkataa qabaatanii gara afaan Ingliiziitti kan hiikaman ta'u isaanii ni agarsiisa.(4) Jechootni ammamiin irra deddebi'amee akka itti fayyadamanii fi Macaafoota kamiin keessa akka jiraatanii fi eenyuun akka barreeffaman ni agarsiisu.(5) Kitaaba Qulqulluu keessaa namni tokko dubbisa akka inni barbaadee argatu ni gargaara.

**Dead Sea Scrolls.(Barreeffamoota galaana du'aa keessatti),** kun kan inni agarsiisuu barreeffamootni bara durii kuusaan isaanii Afaan Ingliziitii fi Afaan Araamiyikiitiin barreeffaman. Bara 1947 ti galaana du'aa biratti argamuu isaanii kan addeessuudha.Kuusaawwan barreeffamaa kun mana kitaabaa amantaa yoo ta'an, kutaa Yihuudii kan ta'an jaarraa tokkoo keessa kan turaniidha.Bittaan Mootummaa Roomaa babalachuunii fi bara 60 keessa kan gaggeeffaman loollii inaa Gadaamii fi holqa keessatti dhagaa supheedhaan ukkaamamanii akka turan kan dirqisiisee ta'uun isaa ni tilmaama.

Kuusaan barreeffamaa sun, Filisxeemootaa jaarraa tokkoo keessa kan turan,yoomessa seenaasaanii akka nuti hubannuuf barreeffamoota 'maasooreetikii' jedhamuun dhugummaasaanii akka hubannuu(Dhaloota Kiristoosiin dura isa ture) nu dandeessisaniiru.Xiyyeeffanadhaniis 'DSS' Dead Sea Scrolls, jedhamuun beekamu.( Barreeffamoota galaana du'aa)

**Deductive.** Yaadni kun kan inni ibsuu yaada walii gala irraa gara tokkoon tokkoon dubbichaatti kan geessuudha. Yaada xiqqoo tokkoon tokkoon irraa ka'uun isa ibsuudha 'inductive' isa jedhamee beekamuu irraa adda ta'eedha. Kunis yaada karaa saayinsiitiin murtiidhaaf ibsamu adeemsa ilaalcha xiqaa irraa bal'aatti deemuudha.

**Dialectical(Diyaaleektiikaalii).** Yaadni akkanaa kun waantota faallaa ta'an tarreessee (paradox) yaada falaasamaa fi tokkummaa karaa lachaniin jiranu kan qo'atudha. Barsiisonni isaa diyalektiikaalii garee lamaanii qabu. Caqasuudhaafis kanmurtaa'eedhaaf-fedhii bilisa ta'e, fayyinaaf-obsa, hojii-amantii, murteessuu-duukabuutummaa, kiristaanummaa bilisaafii-itti gaafatamummaa kiristaanummaa.

**Diaspora( lammii biyya ormaa jiraatu).** Jechi kun jecha Girikii yeroo ta'u Yidinni biyya Kana'aan Yihuudota biyya isaanii ala jiran daangaa lafa isaaniin ala kan jiran Yihuudota waamuudhaf kan itti fayyadamaniidha.

**Dynamic equivalent:** (Walqixxummaa guutuu). Kun hiika Kitaaba Qulqulluu kun kan dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame (theory) yeroo ta'u hiikonni isaa jechaa jechatti walqixxee fi jechii Ingli tokko Ibiroota irraa yookiin Girikii irraa kan isaan walqixu argatanii jijjiiruun kan isaaf ta'u yeroo ta'u, kun yoo hin taanes yaada bifa galeetiin sirriitti mummee isaa irraa utuu hin dabin akka hiikamu taasisa. dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame lamaan kana gidduutti walqixxummaa guutuu barreeffama ka'umsaa xiyyeeffate qabatee seerluga hammayyaa'een hiikamuutu irra jira jedha. Hiikin ibsa hiika dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffamee kanaa "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubannoodhaan haa dubbifannu" Kitaaba Fi fi Stawoort fuula 35 irraa Roobert Bartcher seensa TEV tti kan itti gargaarame irraa argama.

**Eclectic (yaadaa fi amantii garaa garaa ilaaluudhaan kan ta'e filachuu).** Jechi kun faayidaa irra kan oole qeeqannoo kitaabichaa taasisuudhaaf. Faayidaan isaa dubbisa garagaraa baarreeffama Griikii keessaa barbaaduudhaan fi sakatta'uudhaan barreeffama isa jalqabaa bira ga'uudhaaf kan nama dandeessisuudha. Hogbarruu Girikiii gidduudhaas isa olaanaa irratti hirkachuudhaa bifa yaadaatiin kan kennaman hin fudhatan.

**Eisegesis.** Kun faallaa (exegesis) barreeffama amantii bali'naan ibsa itti laachuuti. Jechuunis exegesis yaada barreessaa isa jalqabaa keessaa kan ba'e yoo ta'e "eisegesis" immoo yaada ormaa yookiin ilaalcha keessatti baay'inaan galchuudhaa fi galuu ilaallata.

**Etymology (sayinsii waa'ee maddaa fi seenaa jechootaa fi hiika isaanii qo'atu).** Kun qo'annoo madda jechaa yeroo ta'u ka'umsi isaa maal irraa akka ta'e qo'ata. Hundee jechaa irraa ka'uudhaanis jechichi akkamiin faayidaa irraa akka oole beekuudhaaf dandeessisa. Yeroo hiikaa garuu **Etymologyiin kun** qabxii isa irratti xiyyeeffatamu isa olana miti. Hiika qabiyyichaa fi galiinsa jechichaati kan irratti xiyyeeffatamu.

**Exegesis (waraabbiitti ibsa kennuu yookiin kan Kitaaba Qulqulluutti).** Kun barreeffamicha irraa karaa ala ta'een yoo sakattaa'ame yaada barreessaa isa jalqabaa hubachuudhaaf kan nama dandeessisuudha. Kun yoommessa seenaa qabiyyee xinhima seerlugaa fi hiika jechichaa ilaala.

**Genre.** Kun jecha Faransayii yeroo ta'u gosa barreeffama gara garaa jechuudha. Gosa barreeffama walfakkeenyummaa qabaataan bakka tokkotti isaan ramada. Fakkeenyaaf seenaa seenessuu, dubbii dacha, fakkeenya, kan raajii fi kan seeraatu keessatti argamu.

**Gnosticism.** Dhimma kanaaf beekumsii nuyi qabnu kan maddu jaarraa 2 keessa kan turaniif barreeffama Ginostik yerooo ta'an yaadi isaa garuu jaarraa 1 yookiin duraan dursee kan turedha.

Tokko tokko akka jedhanitti kan Valantini fi kan Qorontin kan jaarraa 2 Ginostikis, 1 waanta ijaan argamuuf qaqqabatamu fi hafurri bkan bara baraa yeroo ta'an tokkoffas lammas qabatanii waanti (mater) gaarii yeroo ta'u hafuurri(spirit) garuu gariidha. Hafuura kan ta'e Waaqayyo kallattiidhaan waanta hamaa hojjechuu keessa hin seenu. 2 Waaqayyoo fi waanta (mater)gidduu kan yeroo dheeraa yookiin sadarkaa ergamaatu(angles) jira. Kan dhumaa yookiin kan gad aanu YHWH yeroo ta'u addunyaa kana (kosmos) kan uumeedha. 3 Yesuus kan ba'e akka YHWH yeroo ta'u sadarkaan isaa garu kan ol ta'ee fi waaqa isa dhugaa wajjin kan walqixudha. Tokko tokko ol aanaa taasisanii fudhachuun Waaqayyo irraa gad aanaa kan ta'e waaqayyummaa isaatiin osoo hin taane foon huffachuusaatiin Yoh 1:14 waanti(mater) akkuma haamaa ta'uu isaa Yesus dhagna namaa huffatee Waaqayyummaa ta'uu h in danda'u. inni hafuura 1Yoh 1:1-3, 4:1-6. 4 fayyinni argamuu kan danda'u Yesuusitti amanuudhaa fi beekumsa adda ta'e argachuudhaan.

Beekumsi addaa kunis namoota addaatiin kan beekamuudha. Beekumsa yookiin jechi nama dabarsu gara Mootummaa Waaqayyootti nama barbaachisa. Beekumsi seeraa kan Yihudotaas gara Waaqayyoo ga'uudhaaf kun akka nama barbaachisu ni agarsiisu. Barsiisonni sobaa kan Ginoostiksii seerota sakkoo gosa lama kan wal jifatan kaa'aa. 1 haala jireenyaa tokko tokkoof fayyinaa wajjin umaa walitti dhufeenya hin qabu. Jaraaf fayyinni hafurummaan beekumsa dhokataa, yookiin jecha ittiin darban(pass word) kan jedhameen kan walitti hidhaman geengoo(spheres) ergamootaati jedhu. 2 kan biroon immo haalli sirna jireenyaa fayyina irratti qabxii isa guddicha jedhu. Haala jireenyaa isa fooya'aadhaafis xiyyeefannoo kennuudhaaf hafuurummaa (spirituality) isa dhugaadhaaf raga kaa'u.

**Hermeneutics. (Hermeneuticsii)**. Jecha teknikaa yeroo ta'u exegesisiif akka qajeelfamaatti tajaajila. Kan karaa lamaa kan ta'e qajeelfama murtaa'aa ogummaa kan uumamaati. Kan Macaafa Qulqulluu yookiin kan qulqullaa'e kan jedhuun Hermeneuticsii bakka garee lamatti jechuunis qajeelfama walii gala yookiin qajelfama tokkoon tokkoon isaa kan jedhuun. Kunis Kitaaba Qulqulluu keessatti kan argaman hogbarruu gara garaatii wajjin walitti firooma. Gositi hogbarruu gara garaa tokko tokko qajeelfama adda ta'e kan ofii isaa kan qabu yeroo ta'u kanneen biro wajjjin immoo tilmaammiiwwan fi galiinsa hiikaa wajjin walfudhata.

**Higher Criticism**. (ajiifannoo isa olaanaa). Hiiki Kitaaba Qulqulluu kun galiinsa yeroo ta'u kan inni irratti xiyyeeffatus kitaaba kan Kitaaba Qulqulluu isa tokko irratti yoomessa seenaa irrattii fi caasaa hogbarruu uirratti.

**Idiom (jechama).** Gaaleen kun adaa gara garaa irratti hirkachuun hiika hiika jecha isa jalqabaa wajjin kan walitti hin qabanne kan kennudha. Tokko tokko fakkeenyonni ammayyaa "kan gadhee gariidha", "na ajjeefte" kan jedhan jiru. Kitaabni Qulqulluunis gaalee kana fakkaata qaba.

**Illumination (Ibsa).** Maqaan kun kan kennameef Waaqayyo ilma namaatti dubbachuu isaa agarsiisuudhaaf. yaadiii dhaan. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan

karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Inductive (dhugaa irratti kan hundaa'e).** kun mala waan tokko ibsuu irratti (logic) kan hundaa'ee yeroo ta'u waan adda addaa irraa gara walii galaatti kan ibsuudha. Saayinsii kan ammayyaatiif kan hojiidhaan qorame ta'e tajaajiluu uirratti jira. Malichi durumaan kan Aristootiliiti.

**Interlinear.** Kun mala meeshaan qo'annoo yeroo ta'u afaan Kitaaba Qulqulluu kan hin dubbifanne akka ibsaniif hiika isaa fi akka itti caaseffame akka hunbatan gargaara. Hiika Ingili jechaa jechaatti kaa'uudhaan afaan Kitaaba Qulqulluu isa olaanaa wajjin walbira qabee kaa'a. Galiins qo'annoo kun jechoota hundee ibsuu waliitti makuun bu'uura kan ta'an hiika Girikii fi afaan Ibrootaaf bifa kenna.

**Inspiration(yaada ka'umsaa).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif kan dubbate barreessitoota Kitaaba Qulqulluu karaa sirrii fi ifaan kan ibse akka barreessaniidhaaf. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Language of description (afaan ibsaa).** Kun Kakuu Moofaatti kan barreeffame fi jecha isaa walitti qabsiisuudhaaf yaadameeti. Innis galiinsa haasaa adunyaa keenaa qaama miiraa shanaaniin irratti hundaa'uun dhiyeessa. Garuu ibsa saayinsaawaa jechuu miti.

**Legalism (seera qabeessummaa).** Haalli kun kan inni agarsiisu kan seera qabeessummaatii fi ayyaaneffannaa tokko tokkoof sirna waaqeffannaa kan kennaniidha. Ilmi namaa kan raawwatan seeraa fi heera Waaqayyo ni fudhata jedhanii fudhachuudha. Walitti dhufeenya gad kan qabuudhaa fi seerratta kan ol qabu ta'ee walitti dhufeenya kakuuwwanii lamaan isa qulqulluu Waaqayyoodhaa fi namummaa isa cubbamaa gidduutti akka adeemsifaman kaa'a.

**Literal(hiika barreemaa).** Kun hiiki barreeffamaa irratti kan xiyyeeffatu fi mala hiikaa seenaa kan ta'e adaa Antiihotaa ilaallata. Kan jechuunis hiiki qabuun kan irra jiru hiika isa ifa ta'e isa jabaa hin taane afaan ilmaan namootaatiin akka jedhedha jedha. Kana jechuun garuu afaan haala fakkeenyaatiin kan barreeffaman jiraachuu isaanii hiin ganu.

**Literary genre (gosa barreeffama).** Kun kan ilmaan namootaa ittiin walii galan kan ta'e gosa barreeffamaa jechuunis ciigoo, seenessa seenaa, kanaaf kan kana fakkaatan haammata. Gosii hoogbarruu tokkoon tokkoon isaa hiikaa mataa isaa yeroo qabaatu dabalataaniis hogbarruu gosa hundumaaf ta'a.

**Literary unit(barreeffamaa kutaa of danda'e).** kun kan agarsiisu kutaa ilaalcha Kitaaba Qulqulluu isan olaanaadha. Kunis dubbisa muraasatti boqonnawwannii yookiin keeyyataa qabuu danda'a. Ofii ofii isaattis gosa barreeffamaa giddu galeessaa guutuu kan ta'e kan qabatedha.

**Lower critcisim (**ajiifannoo gad aanaa**). Textual critcisim (**barreefama ajiifannoo) kan jedhu ilaali.

**Manuscript (barreeffama harkaan barreeffame).** Kun koppii Kakuu Haaraa Giriikiitii gara garaa agarsiisa. Yeroo baay'ee karaa gosa garagaraatiin ramadamu. 1) kan isaan irratti barreeffaman papiirusii fi kallee (papyrus, leather). 2) bifti barreeffamichi mataan isaa (qobee gurguddaa yookiin kan walitti qabate ta'uu isaa) gabaajee "MS" qeentee "MSS" lakkoofsa baay'ee jedhamu.

**Masoretic text (barreeffama Maasoretii).** Jaarraa 9tti Kakuu Moofaa kan afaan Ibrootaattiin barreeffame barreeffama harkaan barreeffame agarsiisa. Kunis ogeeyyii Yihudootaatiin kan barreeffameef fi sagalee dubbisiiftuu fi yaaddanno gar jalaatti barreeffaman kan qabatedha. Kakuu Moofaa kan Ingili kan ta'u barreeffamni kana irraa kan argamedha. Barreeffamichi bifa seenaatiin afaan Ibrootaatiin akka ta'e kan mirkanaa'e yoo ta'u keessumayyuu raajii Isaayyaas barreeffama maramaa galaana du'aa tiin (dead sea scroll) beekameera. Gabaageenis "MT" (Masoretic text) jedhama.

**Metonymy.** Kutaawwan dubbi ta'ee, maqaan waanta tokkoo kan biraa wajjin caqasuun kan itti mullatudha. Fakkeenyaaf "jabanaan danfaa jira" yeroo jedhu "bishaan jabanaa sana keessa jiru danfaa jira" jechuudhaaf.

**Muratorian Fragments (Cabaa Muratorianii).** Kun kiitaabota seeraa fi heeraa tokkoon tokkoon isaa kan walitti qabate kutaaa Kakuu Haaraati. Kan barreeffames bara haraaraa 200 durseeti. Achuma 27 kitaabni Kakuu Haaraa Protestaantiidhaan kitaaba haaraadha. Kunis Waldaaleen mootummaa Room keessatti kan argaman oolaanonni manneen mare waldaalee yookiin jaarraa 4 kan turan duraan akka hojjetame agarsiisa.

**Natural revelation(mullata uumamaa).** Kun Waaqayyo ofii isaa namootaatti kan ittiin mulisu kutaa isa tokko. Seerawwan uumaamaa (Rom 1:19-20) kan safuu qabu miijana sammuu (Rom 2:14-15) haammata. Far 19:1-6 fi Roma 1-2 irratti barreeffameera. Mul'ata addaa irraa gara gara. Jechuunis Waaqayyo mul'ata mataa isaa Kitaaba Qulqulluudhaanis ta'e karaa Yesuus Nazreetichaa jechuudha.

Gitin barumsa hafuuraa kun irra deebi'amee xiyyeeffannoon kennameefii kan akka Hug Roos jiran barreessitoota kiristaanota gidduutti sochii "adunyaa moofaa" irrattin ilaalmeera.

Jarris gitin kun hundu dhugaan hunduu dhugaa Waaqayyo akka ta'etti mirkaneeffatu. Uumamni Waaqayyoon beekuudhaaf balbala banamaadha. Kunis mula'ata addaa (Kitaaba Qulqulluu) irraa adda. Saayinsiin ammayyaa seerrata uumamaa akka qo'atu bilisummaa kennaaf. Akka yaada kootti saaynsawaa isa hammayyaatiin adunyaa isa lixaa dhugaa ba'uudhaaf carraa ajaayibsiisaa haaraadhan jedha.

**Nestorianism (Nisxrummaa).** Nisxiroos jaarraa 5 keessa dura taa'aa Konstantinplii kan turedha. Kan barates Sooriyaa Antsookiyaaitti yeroo ta'u qabxiin inni ittiin mormii kaases Yesuus amala lama yeroo qabaatu inni tokkon guutummaa guutuutti nama; inni kaan immoo guutummaa guutuutti Waaqayyummaadha jedha ture. Kunis Ortodoksii isa kan Aleksaandariyaa amalli tokko walmakameera kan jedhu irraa kan ba'edha. Xiyyeeffannoon Nisxiroos inni guddaan Maariyamiif kan kenname "haadha waaqaa" moggaasa jedhudha. Nisxiroos Siriil Aleksaandarichan ajiifannoon isa qaqqabee ture. Kunis naanna'ee naanna'ee kan baratee Antsookiyaaitti jechuudha. Yeroo sanatti Antsookiyaan waajjira muummee hiika Kitaaba Qulqulluu yeroo taatu aleksaanderiyaan immoo waajjira muummee dacha afur hiikaa mana barumsaa (allgorical) carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu turte. Nisxiroos taaytaa isaa irraa bu'ee akka baqaatiif (exile) ta'u taasifameera.

**Original Author (barreessaa jalqabaa).** Kun kan agarsiisu barreesitoota isaan duraa kan caaffata qulqullaa'oo barreessan.

**Papyrus (Pappirasii).** Bara durii akka waraqaa waa itti barreessaniitti kan tajaajilu kan Gibxootaati. Shomboqqooyookiin leemman laga qarqaraa irraa hojjetama. Kitaabonni durii kan Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa kan barreeffaman kana irratti.

**Parallel passage (bukkoo waan dubbifamu).** Kutaaleen yaadaa kunneen Kitaabni Qulqulluun kan nuuf kennameedhaaf hiika guutummaa guuttuunis isa akka ta'e yaada nama doggoggorsan kan nutty fakkaatan illee karaa giddu galeessumaa qabuun kan hiikudha. Kunis namni tokko ifa kan hin taaneef waanna dhubbisu sana hiikuudhaaf yeroo yaalu hubachuu danda'a. wantonni dubbifaman (passages) dabalataanis kutaaleen ifa ta'anii kan waliitti firoomna qaban matuduree kenname sana jalatti caaffata qulqullaa'oo irraa agarsiisu.

**Paraphrase (waanta barreeffame tokko gabaabsanii jecha namaa galuun dhiyeessuu).** Kun yaada hiikaan Kitaaba Qulqulluuti. Hiikaan Kitaaba Qulqulluu jechaa jechatti kan taasifamee fi booca walqabatu kan qabate ta'ee jechi Ingili afaan Ibirootaatiifis ta'e afaan Girikotaatti hiikin isaa barbaadamee yaadi kutaa sanaa inni baay'ee barbaachisaan garuu ilaalcha tilmaammii gad aanaadhaanbarreeffama isa olaanaa wajjin ilaalamaa kan itti hiikamudha. Yaada kana lamman keessaa "guutummaa guutuutti kan wal siman" kan jedhamu garuu barreeffamicha isa olaanaa seerluga ammaayyaatiin fi jechamaan hiikuudhaaf kan yaaludha. Kana kan ilaallateen ibsituun gaarii Fii fi Stuartiin "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubachuun haa dubbifannu" fuula 35 ilaal.

**Paragraph (keeyyata).** Kun karaa hololoo(prose)kan taasifamu gosa hiika isa olaanaadha. Yaada giddugaleessaa tokko fi guddina isaa qabatee jira. Al tokko tokko keeyyaticha irratti qofa xiyyeeffannee hiika isaa yeroo barbaadnu yaada barreessaa isa jalqabaa argachuu dhiisuu dandeenya.

**Parochialism(yaada dhiphinaan).** Kun kan agarsiisu loogiin kan qabame walitti dhufeenya barnoota hafuuraa fi addaa kan naannaa tokkoo ti qabameeti. "Aadaa" guutuu kan Kitaaba Qulqulluu adaa adaa kamiin irra iyyuu caalu fi haala inni ittiin hojii irra oolu yaada keessa hin galchu.

**Paradox(yeroo dhaga'an dhugaa waan hin fakkaanne garuummoo immoo dhugaa ta'uu waan danda'u).** kun kan inni agarsiisu dhugaawwan kan walii faallaa fakkaatan yeroo ta'u (ni ta'u hin ta'an) ergaa jedhu kan qabatedha. Dhugaa kan inni dhiyeessu karaa faallaa ta'e irraa deemuudhaan. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu heedduun kan isaan dhiyaatan karaa (miti-eeyyee) kanaa yookiin karaa galiinsa falmii gochuudhaan dhugaasaa bira ga'uf yaaluu (dialectic) waalii faallaa lachanii kanaa qabateeti. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu akka uurjiiwwan wal irraa faffagaatanii taa'anii osoo hin taane akka uurjii gita gita qabatanii jiraniitti fakkeeffamu.

**Plato (Plaatoo).** Faalaasama Giriikii warra durii keessaa isa tokko. Falaasamni isaa waldaa ishee durii beektota Alekisaanderiyaa Gibxitti akkasumas karaa Awugisxinoos dhiibbaa huumeera. Pilaatoon, biyya lafaa irra kan jiru waanti kam iyyuu gargalcha(copy) waantota hafuuraati jedhee amana. Booda beektoonni hafuuraa yaada Pilaatoo kana gara "yaadawwan/boocawwan" jechuudhaan hojii hafuuraatiif hojii irra oolchaniiru.

**Presupposition(tilmaammii duraanii).** Kun waa'ee waan tokkoo dursinee kan yaadnu. Bareeffama qorachuu keenyaan dura yeroo baay'ee yaaadafii murtii(ejjennoo) waa'ee waanta tokkoo qabaanna. Tilmaammiin duraanii kun loogii jedhamuun beekama. Tilmaammiin yookiin beekkamtummaa duraa jedhama.

**Proof texting.** Kun shaakala jijjiirraa caaffata qulqullaa'oo lakkoofsaan qofa (kutaa isaa guutummaa utuu hin taane) yookiin yaada walii gala kutaa sanaa osoo hin taane hojii hiikuuti. Kunis lakkoofsicha yaada barreesichaa isa jalqabaa irraa kan garaa garaa ta'e utuu hin taane yaada dhuunfaa itti dabaluudhaan. Aboo Kitaaba Qulqulluu dhiisanii jechuudha.

**Rabbinical Judaism(Barsiisummaa Yihudummaa).** Seenaan jireenya Yihudootaa gosti akkasii kan jalqabame Dhaloota Kiristoos Dura 586-538tti Baabilooniin booji'amuu booda. Luboonni Yihudotaa fi manni qulqullummaan erga hafanii booda manni sagadaa Yihudootaa (synagogue) wiirtuu waaqeeffanna amantii Yihudootaa ta'uu danda'an. Bakka kanattis addaa Yihudotaa, walitti dhufeenya, waaqeffannaa fi caaffata qulqullaa'oo bakka itti qo'atan ta'uudhaan wiirtuu xiyyeeffannoo amantii biyyoolessaa ta'aniiru. Bara Juliyesiitti jarreen "amantii barreeffamaa"jedhamanii kan beekaman lubootaa wajjin bifa bukkootiin tajaajilaniiru. Bara haraaraa 70tti kufaatii Yeruusalem booda qaamni barreessitootaa olaantota Fariisotaa ta'uu danda'uudhaan gararraa jireenya amntaa Yihoodataa to'achuu danda'eera. Amalli isaas kan hojiin agarsiifamu hiika Tora(Kitaabota seeraa) irratti kan xiyyeeffatu ta'e mala fayyaddamuun Talmuudiin ibsuudha.

**Revelation(mul'ata).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif dubbatu ibsuudhaaf maqaa kennamedha. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Semantic field** (**Dirree xinhiikaa)** kun kan ilaallatu waliigala waantota heedduu gosa tokkichaa kan jechaan walitti firoomaniiti. Inni jalqabumaan garaagarummaa yaaadaa sagalichi qabiyyee garaa garaa irratti qabudha.

**Septuagint**. Kun maqaa hiika Kakuu Moofaa afaan Ibrootaa irraa gara Girikiitti hiikameef kan kennameedha. Dudhaan akka jedhutti inni Yihuudota torbaatamaan guyyoota torbaatama keessatt barreeffame, mana kitaabaa Aleksaandeeriyaa Gibixiittiif. Guyyaa duudhaatti inni naannaa

Dhaloota Kiristoos dura 250tti (dhugaan garuu yoo yaadne inni xumuramuudhaaf waggoota dhibba tokko fudhateera). Hiikaan kun barbaachisoodha sababni isaas (1) inni barreeffama durii kan Ibrootaa isa Masooretiikii wajjin akka walbira qabnee ilaallu nuuf kenna; (2) inni haala Ibroonni warri dhaloota Kirstoos dura jaarraa lamma keessa turan akkamiin akkahiikan nu agarsiisa; (3) Yesuusiin simaachuu dhiisuu isaaniin dura hubannoo Yihuudonni Masihichaaf qaban agarsiisa. Gabaajeen isaas "LXX" jedha.

**Sinaiticus**. Kun barreeffama Griikii jaarraa afurati. Inni kan argame beektota Jarmaniitiin. Tischendorf, at qul. Katherine's gadaamii bakka Jebel Musa, bakkaa aadaa gaara Siinaa. Barreeffamni kunis kan inni ittiin filatame qubee afaan Ibrootaa isa jalqabaa "« *aleph* » [ א ] tiin. Inni guutummaa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa qabatee jira. Inni barreeffama bara durii keessaa isa tokko qubee guddaa MSS jedhuun kan beekamu.

**Spiritualizing(kan hafuuraa taasiisu).** Jechi kun Aliigorii isa jedhamuu wajjin walfakkaata. Karaa qabiyyee isaa isa jechaa jechattii fi kan seenaa haquudhaan keeyyata sana ulaagaa kan biraaa irratti hundaa'uun hiika.

**Synonymous (moggoyyaawaa).** Kun kan ilaallatu jecha sana yookiin hiikaawwan walfakkaataa(dabalataan dhugumaan jechoonni lama xinhiiki isaanii wali irra hin bu'u). jarri maarree baay'ee walitti dhiyaachuu danda'u kanaaf hima keessatti utuu hiika isaanii hin balleessin inni tokko isa kan bira bakka bu'uu danda'a. Inni dabalataan ceenaayyina (parallelism) lamman walaloo Ibrootaaf fayyaduu danda'a. Akka yaada kanaatti inni kan ilaallatu kitaabota ogummaa keessatti argaman sarara lama ta'nii garuu dhugaa tokko agarsiisu (Far. 103:3).

**Syntax (xinhima).** Kun jecha Griikii ta'e kan inni ilaallatu ijaarsaa hima tokkooti. Kan inni dubbatus amalli kutaa hima tokkoo wal bira kaa'aman yaada guutuu tokko uumuudhaaf jedha**.**

**Synthetical (yaada garaa garaa gara yaada cuunfamaa tokkootti fiduu).** Kun jecoota sadan haala walaloon (poetry) Ibrootaa wajjin deemudha. Jechi kun waa'ee toora walaloowwanii dubbata, tokko tokko irratti haala guddinaatiin ijaaraamaa. Alii alii akka haala qilleensaatti fakkeeffama "climatic" jedhamee waamama (Far. 19:7-9).

**Systematic theology**. Sadarkaan hiika akkasii dhugaa Kitaaba Qulqulluu tokummaa fi karaa sababaatiin yeroo dhiyeessaniidha. Kaan seenaa ta'uu isaa irraa sababa dhiyeessuu isaatu caala kunis barnoota kiristaanummaa kan hafuuraa ta'an gita gitaan taasisuun fakkeeenyaaf Waaqayyo, cubbuu, nama, fayyinaa fi kanaaf kana kan fakkaatan dhiyeessa.

**Talmud(Taalmudii)**. Kun xinhima Yihuudotaa moggaasa kennameedha. Yihuudonni Waaqayyo gaara Siinaa irratti Museetti akka dubbate ni amanu. Dhugumaan yeroo ilaalamu garu ogummaa Yihudootaa walitti qabame waggoota heedduuf kan walitti kuufamedha. Hiika Taalmuudii gosa gara garaa lamati jiru. Kan Baabloonotaa fi gabaabaa fi kan hinxumuramne kan Kanaa'aan (Palestinian).

**Textual criticism**. Kun barreeffama Kitaaba Qulqulluu qo'achuudha. Qo'annoon gosa akkasii kan barbaachisaa ta'uuf barreeffamoonni warri jalqabaa waan hin argamneef hiikaan jaraa garaa gara tauu isaaniiti. Garaa garummaa ibsuudhaan amma danda'ameen gara barreeffama Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa isa jalqabaa bira ga'uudha. Yeroo heedduu "qoranno isa gad aanaa" jedhama.

**Textus Receptus (akkaataa simannaa barreeffamaa).** Moggaasin kun gara hiika Elzer kan ta'e Kakuu Haaraa Griikii bara haraaraa 1633 hiikametti guddate. Jalqabumatti iyyuu Kakuu Haaraa Griikii kun kan argame muraasa duraan barreeffamanii kan turan barreeffama Griikii fi Laatiinii kan harkaan barreeffamanii turan jechuunis Erasmus (1510-1535), Stephanus (1546-1559) fi Elzevir (1624-1678) irraa ture. kitaaba *An Introduction to the Textual Criticism of the New Testament*, fuula 27, A. T. Robertson barreesse irraa akkas jedha "barreefamni Beezaantaayin kun hojiin yeroo ilaalamu barreeffamoota fudhuchuudha." Jedheera. Barreeffamoonni Beezaantaayiin kun baay'ee kann fayyaduu kan ta'an barreeffamoota Griikii durii sadan (kan lixaa, Aleksaanderyaa fi Beezantaayiin) keessatti kan ramadamuudha. Keessa isaatti duri yeroo harkaan garagalchaman dogoggooroota ta'an qabatee jira. Ta'us garuu A. T. Robertson barreefama isaa keessatti ammas

akkas jedheera “barreeffamoonni kun keessa isaaniitti nuuf kaa’anii darban waantota heedduu barbaachisoodha.” jeddheera (fuula 21). Barreefamni Giriikii kun (keessumattuu maxxansa sada kan Erasmus isa 1522) King Jems Version (KJV) isabara haraara 1611 qophaa’eefis bu’uura guddaa ta’eera.

**Torah (Tooraa).** Kun jecha Ibrootaattin “barsiisuu” jechuudha. Innis barreeffama Museetiif (Seera Uumamaa hangaa Seera Keessa Deebii) kan jiraniif maqaa seera qabeessa ta’eera. Kun Yihuudotaaf kutaa bakka guddaan kennameefii fudhatama qabudha.

**Typological.** Kun hiika ogummaa gadi fakkeenya qabu. Yeroo heedduu dhugaan Kakuu Haaraa Kakuu Moofaafii akka bifa fakkeenyaa ta’uun kan caqasuudhaaf kan waliitti firoomsudha. Gitin hiikichaa inni olaanaan mala kan isa Alekisaanderiyaa kan hordofedha. Hiiki gosa akkasii kun sirriitti rawwatamuu dhiisuun hiikuun isaa yeroo geggeeffamau kutaa Kakuu Haaraa keessa kan murtaa’an irratti ta’uu qaba.

**Vaticanus (Vatikanus)** kun barreeffama harkaan barreeffame kan jaarraa 4ti. Mana kitaabaa Vatikaan keesssatti argame. Jalqaba irratti kan inni qabatee jiru Kitaaborta Kakuu Moofaa hundumaa, Kitaabota Appookiri (kitaabota Kakuu Moofaa keessatti dabalamanii jiran kan warra Protestaantii biratti hin fudhatamne) fi Kakuu Haaraa ti. Garuu garri kaan badaniiru (Seera Uumamaa, Faarsaa, 1 fi 2 Xiimootewoos, Titoo, Filimoonaa fi Mullata Yohaannis.). Jechoota jalqabaa fi abbaa barreesse gargar baasuudhaaf kun barreeffama baay’ee fayyaduudha. Inni kan beekkamu qubeen guddaan “B” kennameefiiti.

**Volgate.** Kun hiika Kitaaba Qulqulluu Laatiin kan Jeromi. Inni waldaa kirstaanaa Kaatoolikii biratti hiika bu’uuraa yookiin kan “gamtaa” taeera. Kan inni qophaa’es bara haraaraa 380tti ture.

**Wisdom literature (hogbarruu kan ogummaa).** Jechi kun gosa hogbarruu beekamaadha naannaa ba’aa isa durii (biyya lafaa isa ammaayyaa) biratti. Kunis dubbii dachaatiin, walaloo, dubbii fakkeenyaa fi barreeffama adda addaatiin dhaloota haaraa barsiisuu fi jireenya fiixaan ba’umsa qabu akka jiraatan dandeessisuudhaaf. Ergichis walumaa galatti hawaasaa fi utuu hin taane dhuu irratti kan xiyyeeffatedha. Haala seenaa goollabuudhaan itti hin fayyadamu. Keessumaayyuu hubannoo barmaatilee jireenyaa ilaallata. Kitaaba Qulqulluu keessaa Iyyoobii hanga Weedduu weeddutaatti kan itti yaadamu argamuu YHWH fi isa Waaqessuu yeroo ta’u ilaalchi adunyaan kan hafuuraa kun haala shaakala jireenya ilmaan namootaa keesssatti yeroo hundumaa akka hin raawwatamne ni beekama.

Akka garee hogbarruu dhugaa walii gala irratti xiyyeeffata. Gosti hoogbarruu kun garuu haala hundumaa faayidaa irra hin oolchu. Yaadonni walii galaa kunneen haala nama tokkoon tokkoonii irratti kan raawwataman miti.

Barreeffamoonni kunneen gaaffii jireenyaa isa cimaa kaasu. Yeroo heedduu ilaalcha amantii ta’anii kan adaan kaasu (Iyyoob Lallaba). Gaaffii jireenyaatiif deebii giddu galeessa ta’e kennuudhaan keessumattuu gaddisiisaa kan ta’e irrtti xiyyeeffatu.

**World picture and world view (bifa biyya lafaa fi ilaalcha biyya lafaa).** Kun jechoota waliin deemaniidha. Lachan isaanii yaada falaasama uumamaa wajjin walitti dhufeenya qabu. Jechi “bifa biyya lafaa” kan innni ilaallatu “akkamiin dhaan” garuu immo “ilaalcha biyya lafaa ”kan jedhu immoo kan inni wajjin deemu “eenyu” kan jedhuu wajjin. Jechoonni kunneen baay’ee fayyadu hiikuu irratti sunis Seera Uumamaa 1-2 isa jalqabaa Eenyu kan jedhu waa’ee uumamaa akkamiin kan jedhu osoo hin taane.

**YHWH.** Kun Kakuu Moofaa keessatti maqaa Waaqayyo kakuuti. Inni Seera Ba’uu 3:14 irratti hiikameera. Jecha Ibrootaatti kan fuula duraa goochima “ta’uuf” sababan kan agarsiisu yeroo ta’u, Ibroonni maqaa kana waamuu ni sodaatu. Akka salphaatti akka hin fudhanneedhaaf jechuudha. Qooda kanaa *adonai* jedhuun bakka buusu. Jechuunis “gooftaa” kunis akkamiin maqaa kakuu kan Ingilitiin kan jijjiiramedha.

# HAFAA AFRAFFAA
## BEEKSISA AMNTII

Ani hundumaan olitti waa'ee ibsa ejjennoo amntiif dhimma hin qabu. Ani Kitaaba Qulqulluu mataa isaa mirkaneeffachuun filadha. Garuu ibisi aejjennoo amantii kootii jarreen ilaalcha barsiisa kootii qorachuu barbaadaniidhaaf karaa akka agarsiisu nan amana. Bara keenyatti dogoggorsii fi gowwomsaan barnoota amantii heedduun ni jiru, armaan gaditti goollabbiin barnoota amantii kooti ni argamu.

1.Macaafini Qulqulluun lachanuu Kakuu Haaraanii fi Kakuu Moofaan, kan hafuura Waaqayyoon dhufan, kan hin kufine,abo qabeessa, sagalee Waaqayyoo jiraataadha. Inni karaa Waaqayyo ofii isaa mullise namootaan kan barreeffame geggeessaa sammuu namaa oliitiin. Inni waaa'ee Waaqayyoo fi kaayyoo isaaf dhugaa qulqulluudha. Inni ammas dabalataan amantiitif madda tokkicha fi Waldaa isaatiif shaakala.

2. Baraa tokkotu jira. Inni uumaa kan argamanuu fii hin argamnee waan hundumaati. Inni ofii isaa kan mullise akka jaallataa fi kunuunsaatti ta'us inni dabalataan dhugaa fi sirriidha. Inni karaa sadiin of mulise: Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu, kan gara gara ta'an garuu Waaqayyo tokkicha.

3. Waaqayyo biyya lafaa kana amma eegaa jira. Uumama isaaf kaayyoo hin jijjiramne bara baraa fi akkasuma dhuunfaatti fedhii ilma namaa hayyamu irratti kan xiyyeeffate lammantu jira. Hayyama fi beekumsaa Waaqayyoo malee humtuu hin ta'u. Ammayyuu filannoo dhuunfaa namaa fi ergamootaaf ni hayyama. Yesus nama Waaqayyoon filatamedha akkasuma immo hundumtuu isaan filatamuu. Waaqayyo waantota ta'an duraan dursee beekuun isaa utuu humtuu hin barreeffammin dursee fedhii namootaa gad hin hirrisu. Hundi keenya waan hokjjennee fi dubbanneef itti gaafatamummaa qabna.

4. Ilmi namaa, bifa Waaqayyootii fi cubbuu malee uumamu illee, Waaqayyo irratti finciluu filate. Ta'us karaa uumamann gararraa ta'een qorame, Addaamiif Hewaan ofii isaaniitiin kan filataniif itti gaafatamummaa qabu turan. Fincili isaanii namummaa fi uumama irratti rakkoo fide. Hundi keenya haala walii galtee keenyaa karaa Addamii fi fincila fedhii keenyaaf dhuunfaattiif araraara fi ayyaana Waaqayyoo nu barbaachisa.

5.Waaqayyo namummaa kufeef karaa dhiifamaa fi haarominaa qopheesse. Gooftaan Yesuus ilmi addaa Waaqayyoo nama ta'e, jireenya cubbu maleeyyii jiraate, karaa du'a bakka bu'iinsaatiin, gatii cubbuu ilma namaa kaffale. Inni haaromina tokkummaa Waaqayyoo wajjiniitiif karaa isa tokkicha. Karaan fayyinaa kan biraa hin jiru hojii inni xumuretti amanuun malee.

6. Tokkoon tokkoon keenya dhuunfaa keenyaatti kennaa dhiifamaa Waaqayyoo fi haaromina Yesuusiin arganne. Kun kan inni raawwatame karaa fedhii mataa keenyaatiin abdii Waaqayyoo karaa Kiristoosiitti amanuudhaa fi cubbuu beekamaa irraa fedhii guutuudhaan deebi'uudhaa.

7. Hundumti keenya gutummaa guutuutti dhiifama arganneerra Kiristoositti amanachuu keenyaa fI cubbuu keenya irraa deebi'uudhaan. Garuu kun walitti dhufeenyi haaraan kun kan ittiin ilaalamu jijjiiraa fi jijjiirama jireenyaatiin. Galmi Waaqayyo namummaadhaf qabu gaaf tokko Samii irratti qofa miti, amma Kiristoosiin fakkaachuudha. Jarreen dhugumaan fayyan , darbee darbee cubbuu ni hojjetu, amantii tti fi qalbii diddiirachuu bara jireenya isaanii ittuma fufu.

8. Hafuurri Qulqulluun "Yesuus kan biraa" Inni warra badan gara Kiristoositti fiduu fi jireenya Kiristoos fakkaatu warra fayyan keessatti guddisuudhaaf biyya lafaa kana keessa jira. Kennaa hafuuraa yeroo fayyinaa kennamu. Jarri jireenyaaf tajaajila isaa dhagna isaa, waldaa kiristaanaa gidduutti. Kennaawwan jalqabumaan iyyuu amalaa fi fedhiin Yesuus kan kaka'uu barbaachisan firii hafuuraatiin. Hafirichi akkuma bara Kitaaba Qulqulluu turetti bara keenyattis hojii irra jira.

9. Waaqayyo abbaan Yesuus Kiristoos isa du'aa kaafame waan hundumaa irratti abbaa firdii isa taasise. Nama hunduma irratti firdii kennuudhaaf inni gara biyya lafaatti deebi'ee dhufa. Jarreen Yesusitti amananii fi maqaan isaanii galmee kitaaba jireenyaa isa kan Hoolichaa irratti barreeffame yeroo inni deebi'ee dhufu dhagna isaanii isa ulfina qabeessa argatu. Isaa wajjin bara baraan ta'u. Garuu jarreen dhugaa Waaqayyootiif deebii laachuu didan gammachuudhaaf walitti dhufeenya sadan Waaqa tokkichaattii bara hanga bara baraatti gar gar ba'u. Seexaanaa fi ergamoota isaa wajjin asabamu.

Kun dhugumaan guutuu fi of eeggannoodhaan waan hojjetame miti. Garuu inni kun dhandhama barumsa kan hafuraa isa garaa koo irraa akka siif kennu nan abdadha. Ani hima kana nan jaalladha.


*"Barbaachisoo irrratti - tokkummaa, waan hin barbaachisne irratti - filannoo, karaa hundumaan- jaalala*

# Ilaalcha lammaffaa deebi'ee dhufuu Gooftaa

## Seensa

a. Mata dureen kun waliin morkii heedduu huumeera
b. ta'umsi isaa sirrii dha garuu yoom kan jedhuuf akkaataan isaa hin mirkanooofne
c. kan amantan eessaa argattani
d. kaayyuun deebi'ee dhufuu gooftaa maaloo dha
e. Macaafni Qulqulluun akkaa bara xumuraa tartiibaan barsiisaa?
f. bara keenya waa'ee dhufaatii gooftaa isa lammaffaa irratti fedhiin akkamiin keessa bule?
g. waa'ee dhufaatii gooftaa isa foonii dhufuu ilaalchisee yaadi jiru hundinuu ilaalcha warreen seera jabeessaniit (conservatives)

### <u>Ilaalcha dursa waggaa kumaa isa waldaa durii ( seenaa dursa bara kumaa)</u>




**Tilmaama duraa**

1. Seera addunya yeroo uumamaa guyyotaa 7 ilaalchisuu (ergaa Barnaabaas, Iraniyus Metodiyus)
2. Tokkoon tokkoon guyyaa waggaaa 1000 ilaalata (2Phe 3፡8 Far 90፡4) Tes2፡3)

**Deeggartoota**


1. . Papias Irenaeus Justin Martyr, Tertullian Hipostas Metodiyas
2. George Ladd (Seenaa Milinyeem duraa)

**Jabina**

1. Waantonni tokko tokko dhufaatiisaa dura ta'uu qabu

a. Wangeela Ormoota hundaaf (Mat 24፡14)
b. Jijjiiramuu Isra'el ( 11፡25)
c. ganuu isa guddicha ( 24፡10)
d. gidiraa isa guddicha (Matt 24፡21)
e. Nama cubbuu-Mormituu Kiristos Mul'achuu (2Tes. 2፡3)
Isa ijaan mul'atu hunda kan haammatu olbutamuu fi deebi'uu lammaffaa

### <u>Barkumee</u> (Miliniyamii) dhugaa kan ta'e yookiin kan eebbifame)




**Dursa- Miliniyamii**

1. Waldaan Kirstaanaa Isra'el isee hafuuraati (Gala3:9,29; 6:16; Rom. 2:5,9, 28-29; Mul. 1:6; I Phe 3:6)
2. Kakuu tokkucha (haaraa fi moofaa Rom 4 – Fakkeenya Phawlosii tolli amantii dhaan isa jedhuuf fakkeenyi Abrhamii dha
3. Mootummaan Kiristoos yeroodhaan kan murtoofte miti (Yohannis 18፡36)
4. deebi tokkicha du'aa ka'uu tokkicha firdii tokkicha Mootommaa bara baraa


**Deeggartoota**

1. Aboota waldaa duraa tokko tokko
2. Auwgistine
3. Ziwingli
4. Kalvin (prespiteriyaanii)
5. Ray Summers (Baptistii)
6. Jay Adams (Reformiid)
7. Waldaa Church of Christi heedduu isaanii

**Jabina**


1. Moo'ichi Qaraaniyootti argame Miliniyaamiitti miti
2. Amma Kiristos hidhameera
3. Karoora fayyisuu isa kan Waaqayyo

### Miliniyaamii booda ( Miliniyaam amma)



| Tilmaama duraa | Deeggartoota | Jabina |
|---|---|---|
| 1. Tattaaffiin namaa gara mootummaatti keesstti dhufa fudhata (2Phex. 3:12 Mat 6:10) keessatti ga'ee qabaata | 1. Yonatan Edwaardis<br>2.A H Strong | 1.Deebi'ee dhufaatii isaa cimsee<br>2. Namni Karoora Waaqayyoo |
| 2. Waantonni jijjiiramaa fooyyaa'aa deemu guddaa irraa kaawwata | 3. W. T. Konner<br>4. Beektota Warraa jaarraa 19 keessaa heedduu | 3. Waa'ee addaa yeeroo sanaa abdii |

## <u>Dursa Miliiniyamii garagar qoqqoodamaa</u>




(Mul. 20:11-15)

[1] Deebii isaa isa dhokannaatiittiif yaada sadiitu jira


1) Yeroo gidiraa dursa
2) Yeroo gidiraa gidduutti
3) Yeroo gidiraa duraan

[2] Firdii amantoota (2 Qoro. 5:10)

3 Firdii amantootaa ( Mat 25)

| Tilmaama duraa | Deeggartoota | Jabina |
|---|---|---|
| 1. Macaafni Qulqulluun bakka kutaa adda addaa torbatti qoodama cimsaan fudhata (Raajii Daani'el) | 1. Jon Darbey (Playmouth Bretheren) | 1. Raajii Macaafa Qulqulluu |
| 2. Raajiin Kakuu Moofaa tokkoon tokkoon isaa Isar'eeliifi | 2. Clarence Larkin<br>3. D.L Moody | 2. Dhufaatii isa isa dingataa (Mat. 24:40-42) |
| 3. Waldaan Kirstaanaa fi Israa'eel garaa gara ba'aniiru Waldaan kirstaanaa karoora Waaqayyoo iasa B dha Yihuudonni Yesusiin akka Masihiitti simachuu yeroo dhiisan | 4. C. I Scofield ( caqasi Macaafa Qulqullu)<br>5. Semnary Daalaas ( Pentecost, Ryrie, Walvoord)<br>6. W. A. Criswell (Babtistii gara gibbaa) | |
| 4. Waldaan kiristaanaa dhokaatti ol fudhatamti gidiraa isa guddicha dura . Mul'ati Yohaannis boqonnaa 5 booda Yihudii dha | 7. Hal Lindsey<br>8. Tim LaHaye<br>9.Waldaa Macaafa Qulqulluu (Seminary Daalaas) | |
| 5. Kakuu haaraan kan hiikamu ilaalacha Kakuu Moofaa keessatti | | |

### Ilaalcha Boob (Miliniyalii isa seenaa/ Gidiraa dura/ Kan Miliniyeemii kan hin taane)




## Yaada-duraa

1. Karoora tokko (Uma 3:15)

2. Tokkummaa saba Waaqayyoo

   (Rom 2:28-29;4; Gala. 3:29; 6:16)
3. Daani'eel, Hiziqi'eel fi Mullata Yohaannis isaaniie mulltaa qabaachuu

4. Kakuu Moofaan dhufaatii tokkicha ilaale (bara

5. Dhufaatii mul'atu tokkicha (Mat 24:27)

   Olbutamuu tokkicha (1 Tes. 4:13-18)
   du'aa ka'uu tokkicha

   Firdii tokkicha (Mat 25 Mul. 20)
   Mootummaa bara baraa

## Faallaa Dialektiikaal ta'e:

1. Raajii fakkeenya Kakuu Moofaa fi fakkeenya kan ergamootaa kakuu haaraa gidduu
2. Filatamuu Israa'el fi Waaqa tokkicha isa Macaafa Qulqulluu keessaa gidduu
3. Abdii fi kakuu isa Macaafa Qulqulluu (yoo...isa booda) Qabiyyee caaffata fi amanaummaa Waaqayyoo isa ilaamaan namootaa warra cubbuutti kufan gidduu
4. akkaata barreeffa warra dahaa dhiyoo fi barreeffama warra dhiyaa isa bara si'anaa gidduu
5. Mootummaa Waaqayyoo isa amm fi amms fuulduratti eegama isa jedhu gidduu
6. Dhufaatii kiristoos dafee ta'uu qaba kan jedhuu fi dursee waantonni tokko tokko r aawwatamuu qabu kan jedhu gidduu

## Goollaba

1. Jon Kalvin kan jedhu "waa'ee mullataakan beeku Waaqayyo qofa dha
2. deebi'ee dhuufuu isaa irratti yaadii kan namaa caalaa ta'ee hin jiru
3. dhalooteen hundinuu hiikaa Macaafa QUlqulluu gara seenaa fi aadaa isaatti arkifata.
4. Kakuu Haaraa keessatti waa'ee dhufaatii isaa ilaalichisee waanti ifatti qophaa'ee hin jiru garuu qophaa'aa eegaa jedha male
5. Waanta gara garaa irratti kan yaadii isaanii wal mormu warra adaa isaanii cimasanu qofaa dha
6. Amantoonni hunduu dhufaatii isaa akka eeggatan kan jedhu kan nama cimsu nama jabeessu kan nama daddamaqsu dha (Marqo 12:33-37)

Copyright © 2000 by Bob Utley Marshall, TX,
BIBLE LESSONS INTERNATIONAL
All rights reserved.

# Mul'ata

akkasitti xiqqoo na sodaachisa
waa'een mullata kanaa dhoksaan isaa
gauu immoo fedhii beekuu kootii na kakkaasaa
sammuu koos na dammaqasa
ergaa isaa garuu yeroon ilaaluu
achi irraa kanan baradhe
nama ilaacha amantii isaatti hirkatee utuu hin taane
hiikaa isaa irratti of eeggadhe
fakkeenya afaaniis beeka jabeesse
ta'us akkuma natti dhufe hin dubbadhu
hiika mataa kootiin caqasaa
kan nama rakkisu immoo itti dhiisaa
inni caalaan akkaataa barreeffamichati
kanan yaaduu qabus isa
uttuu hin yaadiin deebii kankoo
akka dhugaa isa guutuutti
garuu abdiin qaba sagaalee isaa akkan dhag'u
afaan Abbaa irraa kan dhufe
deebii isaa isa lammaffaa eegaa
innii dhugaa fi jireenya ta'uu isaa yaada
sanas yeroo hundumaa nan yaada
hojiin lafa kana irraa qabu nan yaada
Waaqayyo ni moo'a nan jedha
inni hundumaa bita
hundumaa too'ata
Pat Bergeron 7/21/1999